



Duute Moo Jirta.....?

Akka ta'e ta'een dallaa biyyoon natti ijaarame san diigee xalayaa kana siif barreesse. Erga guyyaa san du'aa fi jireenyatti adda nu foffoo'anii duutee fi jiraattee kee sinbirqilliseenillee nutti hin himne. Raagduunis hin raagne. Mallis na jalaa badeetan yabala qilleensaa duwwaan raafama.

Osoo wal taanee, wal taaneet waan ta'us ta'u, waliin taana. Yoo kana hin taane garuu, manaaba galaana daakuu keessa lixneet akka manneen halaala...halaala dhaabbatanii mujjaan irratti daggalee taaneet bilisummaan ifa ishee nu dhoorkatti. Hattichis sharafi yoo nuun jedhe ni sharafna. Duute moo jirtaree? Osoo jirtu yoo duutes бага duute! Yoo jiraatte garuu, waa'een tokkummaa ilmaan Oromoo kun isa dhiiga Oromummaa uffate hunda hirriiba dhoorkuu akka qabu dhalootan naaf ga'i. Imaanaa koo ni nyaatta yoo ta'e ekeraan koo sitti iyya.

Barreessicha

.....Haati gootichaa harmeen Eebbisaa abjuu hamaa tokko ilmashee Eebbisaarratti abjootte. "Mucaan koo maal ta'e laata?" jettee dhiphattee garaan haadhaa ciniinaa, bilbila barbaacha dhiphuun asii fi achi..... fiigde. Baricha bilbilli akka har'aa hin turre. Osoo bilbilichas hin argatin hafte. Silaa "Ilma koo abjuu hamaan sitti abjoodhee mana jijjiirradhu" jechuufan ture jette. Abjuu Haadhaa!

Hin milkoofne haati dhiiraa! Ilmashee osoo hin dhaqqabin bowwoo mataa godaannisa ta'ee bara baraan imalu dhamdhamatte. "Dargaggeewwan kiyya naaf jajjaabaatan. Garanaa garanaa naaf birmatu. Imimmaan koo naaf qoorsu. Ba'aa koo narraa qooddatu. Ilmaan koo obboleewwan walgahanii waa'ee Gadaa koo hasaasu. Waa'ee Siinqee koo dudubbatu. Harkaan walqabatanii na qananiisu. Diina bar meeqa godoo koo saamu narraa buqqisu....." jettee osoo tottoobdu, osoo galaana yaadan yeelaltu, abjuushee booda guyyaa 3ffaa tti reeffi ilmashee Eebbisaa irraan ba'e. "Haadha gootaa! Ilmi kee Eebboon du'ee garaa kee kutadhu" saganneen jedhu tokko gurra isheerraa dubbate. Garaan haadha gootaa sagalee san dhagahe akkam ta'e laata?

"Haati dhiiraa 'n boossee, lafa gangalatee, mucaan koo ni du'a moo.... ni gala laata jettee?" jedhe mitiiree Eebbisaan. Leencichi Oromoo rifeensa daabee Eebbisaan ni du'e. Wayyaanet galaafate. Guyyaansaa.....

Kitaabicha keessaa...

Gatii Qar. 120
\$ 25

Seenaa Qabsaa'ota Oromoo Fi Wareegama Baqqalaa Lataa Warquu

Seenaa Qabsaa'ota Oromoo Fi Wareegama

Kutaa 1^{ffaa}



Maxxansa 2^{ffaa}

Baqqalaa Lataa Warquu

Oromiyaa, Finfinnee

Seenaa Qabsaa'ota Oromoo Fi Wareegama Kutaa 1^{ffaa}

Cover Design:- Abeel Fiqree

Suuraa gootaa:- Dassuu Dalasaa

0920726881

Suurichi kitaaba "Ye Oromoo Taarik" (Isheetuu Irranaa, 2001) irraa fudhatame.

Raabsaan

Mana Kitaabaa Biitaaniyaa

Teessoo:- Finfinnee, Gooroo M/Barumsaa fuuldura

0910776181/0930789922

Baqqalaa Lataa Warquu
Finfinnee, 2011/2019

Seenaa Qabsaa'ota Oromoo Fi Wareegama

Kutaa 1^{ffaa}

Baqqalaa Lataa Warquu 2011

Mirgi barreessaa seeraan eegamaadha.

Kitaaba kana heyyama barreessaan ala, koppii gochuun dhoorkaadha.

Maxxansa 1^{ffaa}, 2011

Maxxansa 2^{ffaa}, 2011

© Sirrina Dogoggoraa Fi Yaada keessaniif,

bekeleta23@gmail.com

Lakk. Bilbilaa 0910776181

0930789922

Dhaamsa:- Ilmi Oromoo fi dacheen Oromiyaa kun, seenaa tuullaa qabaachuun qorattootaa fi dhaabbilee adda addaan yeroo garagaraatti ifa bahuurra darbee, inni keessa gangalachaa oollu ragaa biroodha. Seenaa fi siyaasni ammoo Xaafii Cidhaati. Yookiin laaqii manaan dhoobani. Kanaaf namni seenaa fuudhee, dhalootatti dabarsuu barbaadu kamuu dursa, odeeffannoo haqaa iddoo seenaan sun raawwatametti argamee, waraabee dhiyeessuu qaba malee, jette jetteen seenaa ajjeesuu hin qabu. Kana yoo hin taane, seenaa awwaaluudha malee kaasuu miti. Dhalootas barsiisuu osoo hin taane wallaalchisuudha. Namni kamuu, barreessaa, qorataa, gaazzexeessaa, xiinxalaa siyaasaa kamuus yaa ta'u, seenaa haqaa dhaloota kanaaf dabarsuu qaba. Yeroon seenaa kana funaanutti, seenaa sobaa nama saalfachiisu danuu argeen of saalfadhe. Yeroo isaa eeggatees ni ba'a.....

Seenaa Qabsaa'ota Oromoo Fi Wareegama

Kutaa 1^{ffaa}

Hojiilee Barreessichaa

- Asoosama Eelaa Jireenyaa
- Asoosama Waraansa Lafee
- Hiikkaa Effortless Spoken English
- " Priceless Spoken English
- " Powerfull Spoken English
- " Basic English For Kids
- " The Best Way Spoken English

Seenaa Qabsaa'ota Oromoo Fi Wareegama Kutaa 1ffaa

Kan ta'u ta'uuf, kan hin taane taane.

.....akka hin taane ta'ee harki na hidhamnaan miilanan barreesse. Dubbii Qolaa Oromooti. Soorgoon isaa mata-duree xinnoo asii olii kanaan wal simata. Imaltuu seenaa ta'een iccitii seenaa kudhaama godha jedheen ba'e. Imaltuu hin galle. Imaltuu galaanan liqimfame. Ganna tokkoo fi walakkaa darzana Ganna tokkoon Oromiyaa abuure. Iccitii seenaa goototaa mil'achuuf ture. Haa ta'u malee, gidiraa fi dararaan faana miilaa koo waliin wal'aansoo qabe iccitii seenaa kanaati. Iccitii waraana bosonaa waliinis karaarraa wal sooranne.

Yaadannoo

Harmee iyya bilisummaa mucaa isheef manaa baatee, nuuf bari'innaa laata jechaa mudhii hidhatte..., hiibboon isaa dhokatee rasaasan duub-deebii ilmashee dhabdee, reeffa ilma keerra taa'i! jedhamtee fi haadha osoo ciniinsuu obbaafachuuf fiigdu..., hin milkaa'in karaatti ciniinsuu lammataa dhamdhamtee, mucaashee addunyaa haaraa arguuf wixxiffatu..., waliin hirriiba dhuma hin qabneen injifatamteef yaa ta'u.

Kennaaf

tiif.

Dukkanichi gurraachi, inni dhaamsa dhaloota isaaf caafe, sanyiin ifa moo'insaa akka gara dachee sanaatti hin biqilleef..... seexaa qabatee imaanaa dhaammatee sokke. Isa muge hirriiba qabsiisee galaanaaf laate. Kan hirriibni qabes ni raffise osoo hin taane, iccitii dukkanichaa san barsiise. Ati yaa dhalootaa! Dhaloota hirriibni hin qabne; sanyii kan ta'u abjuutti mala dhawattee....., yabala keef hidda hin cinne kudhaammatte. Hin rafin....., tarii tasa yoo raftes, mugi malee hin du'in. Hin rafin.....hin du'in.....

Eeboon diinaa seenaa kee awwaaluuf galaa siif gumaache. Ati gaara guddaa tokkoon marfamtee qilee gadi fagoo tokko keessa jirta. Qilichi dukkanicha gurraacha sanaan wal utubee....., waraana iccitiin eegamee jira. Kunis dukkanichi akka hiibboo kufaatii hin taphanneef ture. Dukkanichi yoo jige, si'i miti, biyyi kee sunis bilisa baati. Jirbii gurraattiin sakaallaa Fardaaf foo'ante sunis, ni citti. Kanaaf ati yaa dhaloota koo! Ati yaa ilma gadameessa haadha koo keessaa bahe..... sookoon isaa Warqee morma kee irraati. Ati ilma mootii..... mucaa beekaa dha. Mucayyoo beektuu dha. Beekaa kan taate ammoo iccitiin dukkanichaa waan siif galeef qofa. Ati inni cinaa koo dhaabbattu ammoo faallaa isa beekaati. Kana kan taatefis ammoo, faallaa isa iccitichi galeefis waan taatef. Kanaaf hin rafin..... yoo raftes mugi malee hin du'in. Hin rafin..... hin du'in.....

Hiddi keenya yoomuu walitti hidhamee jira. Hidhaa hidda keenyaa caalaatti cimsuuf, kennaa kitaaba iccitii gootota dukkanicha san barbadeessan....., baatee deemu kana siif kenne. Hirriibaa ittiin damnaqiifan Amartii godhee mormatti siif hidhe.

Atis yaa jaalallee koo! Anatu si'i! Si'itu ana. Baraa hanga baraatti..., baratu waliif nu kudhaame. Eenyummaan kee keessa koo jira. Kitaabni iccitii seenaa goototaa baatee adeemtu kun yaadannoo waloo nuuf yaa taatu!

irraa

Galata

Hunda dursa Uumaa uumama hundaa kan taate....., Waaqayyoo galatni siif yaa ta'u!

Kanneen Ispoonsara naaf taatan

- Yuunivarsiitii Koolleejjii Harraambee
- Cilaaloo Gaalamaa Farniichar (Abarraa Lataa)
- T. Pirofeeshinaal Leenjisa Konkolaachistootaa
- Obbo Taaddasaa Jiruu
- Baarii fi Reestoraantii Keebeekii (Adaamaa)

Galatni keessan guddaadha. Oolmaa keessaniif dhalootni sin galateeffataa jiraata.

Akkasumas,

➤ Dajanuu Biruuk	➤ B/saa Guutaa Hayiluu
➤ B/saa Sabboonsaa Geetaachoo	➤ Bafiqaaduu Xilahuun
➤ Barreessaa fi B/saa Wabii Xilahuun	➤ Haadha koo aadde Abaaboo Dinqii kan lubbuun hin jirree fi abbaa koo obbo
➤ B/saa Fayyee Lataa	➤ Lataa Warquu, akkasuma obboleewwan koo hunda
➤ Gaazzeessaa Obsii Filee	➤ Maanguddoota fi namoota odeeffannoo naaf laattan hunda
➤ Gaazzeessaa Fissahaa Balaayineh	➤ Waajjiraalee Aadaa fi Tuurizimii odeeffannoo naaf laattan
➤ Seefuu Biruuk	➤ Barsiisota M/B koo
➤ Abajjee Tashoomaa	
➤ Barreessituu Warqituu Tuujii	
➤ Tsahaay Abajjee	
➤ B/saa Zamanuu Caalaa	
➤ Abeel Figree	

Tobtoobni keessan na waliin itillee seenaa diriirsee...., ana na mootanii iddoo koo buutan. Halkanii guyyaa naaf dhama'uurra; dabartanii hojii koo ijaan arguuf, ciniinsuu da'uumsaa ciniinsifattan. Yabala dhaabbataan qilleensa abuurtan. Anoo humna hin qabu; oolmaa keessan hin deebisuu, gatii yoo ta'e, galatni isiniif yaa ta'u. Galatni keessan Bilisummaa yaa ta'u, jedha Oromoon!

Akkasuma mucaa koo Mooneerraa (Moonii) ati dhalattee, ani guyyaa lammaffaattan miila sirraa fageeffachuuf dirqame. Handhuurri dhiigummaa keessa kee jiru, sitti hima na hin komattu! Mooneerraa lati. Leelloo lammii akka taatu abdiidha.

Dhumarrattis, hinaafstonni hojiin kun akka hin xumuranne na sakaalaa turtan, utuu sin hin jiraannee hojiin koo kun, xiiqim hojjatamee manii hin gahu waan ta'eef, galata guddaa qabdu.

Baafata

Qabiyyee

Kennaaf	I
Galata	II
Baafata	III
Seensa	IV

1. Jaagamaa Badhaanee	1
2. Roobaa Buttaa	21
3. Eebbisaa Addunyaa	49
4. Asaffaa Shaaroo Lammii	71
5. Kaffaaloo Tafarraa	83
6. Badhaadha Dilgaasaa	101
7. Shaambal Abbabaa Biqilaa	120
8. Zawugaa Booji'aa	139
9. Laggasaa Wagii	150
10. Ayyaluu Ittisaa	165
11. Qeerroo Nageessoo	169
12. Balaay Zallaqaa	186
13. Nadhii Gammadaa	193
14. Jeneraal Daraaroo Guyyee	206
15. Alamaayyoo Atomsaa	219
16. Hiikaa Awaajii/Onesmoos Nasiib/	235
17. Aartist Birraatuu Lammaa	248
18. Bariisoo Dukkallee	258
19. Jeneraal Waaqoo Guutuu	273
20. Baqqalaa Dawwaanoo	285
21. Abbaa Jifaar	295
22. Galaanaa Nadhaa	300
23. Kumalaa Jaatanii Alii	307
24. Daraaraa Kafanaa	319
25. Jaarraa Abbaa Gadaa	330
26. Adam Diimaa/Diina Raas/	342
27. Baqqalaa Badhaadhaa	347
28. M/Jeneraal Jaagamaa Keelloo	355
29. Maaf Na Hubachuu Dadhabde?	373
Wabiilee	378

Seensa

Maatii guddicha addunyaa jalaa maddi isaa Kuush kan ta'e, uummatni Oromoo saba bal'aa Afrikaa akka ta'e eenyumaafuu iccitii miti. Sabni kun, saba baay'ina qabuu fi lafa bal'aa qabatee argamu cinaatti, qaroomina, sirna bulchiinsaa(Gadaa) fi Dhaha(Calendar) ofii qabaachuun isaa adda isa taasisa. Dimookiraasiin har'aa addunyaan kan ittiin bulaa jirtu, Sirna Gadaa irruu kan fudhatame waan ta'eef...,uummatni Oromoo, uummata addunyaadhaaf Sirna bulchiinsa Dimookiraatawaa dhang'ee dha, jennee akka dubbannu nu dirqamsiisa.

Haa ta'uutii, dubbiin garagaltoo taatee, sabni ofirra darbee....ormaaf ta'u, qaamolee hanga isaa hin geenyeen sanyii, aadaa, falaasama, afaan, amantii fi eenyummaa isaa balleessuu irratti qiyaafatamuun aggaammii irra darbee yaaliin waggoota dhibbaan l akkaa'amaniif walitti fuufiisaan tureera. Yaaliiruwaan sanyii balleessuu kanneen keessaa, Lolli Calii Calanqoo, Tuullaa Surroo, Harkaa fi Harma Muraa Aanolee, Irreecha bara 2009 fi kkf isaan tokkoo dha.

Gochi diinotaa kun hammaataa fi ijjbaachisaa yoo ta'ellee, goototni ilmaan Oromoo waan isaanitti dhufe kana, 'leel' jedhanii hin fudhanne. Isaanis dur irraa eegalanii hanga bara "Qeerroo" har'aatti shira diinni saba Oromoo irratti xaxaa ture, "iyyoo" jechuun dura ijaajjanii dandeettii, ogummaa fi humna qabaniin, tooftaa fi tarsiimoo isaanii fashaleessaa turaniiru. Ammas itti jiru! Qabsoon amajaajii ofirraa qolachuuf taasifamaa ture, irratti akkuma "Migirri alaa gubannaan Gingilchaan manaa iyyite" jedhan sana, yeroo Oromoon kutaa tokkoo miidhamu, kanneen biroo harka marataniin hin teenye. Kaaba, Kibba, Baha, Lixa, keessaa fi alaa waliif birmachuudhaan adawwii bahaa fi gala dhoorkaa turan.

Namni qabsoon kun akka gaggeeffamuuf wixinee kaa'u, diina laaffisuudhaaf kennaa guddaa qabu, kan saba isaatiif mala mahu, inni uummata ofiif lubbuu isaa aarsaa godhee laatuufi dhortuu lammii isaa miciliksee ajjeesu kun immoo "goota" jedhama. Goota kana ammoo, goota dirree qabsoo waraanaa, goota misoomaa, goota Ogbarruu fi kkf jennee yaamna. Kana keessaa goototni qaxaleen ilmaan Oromoo irraa, qomoo isaaniif jecha, dhiittaa, dararaa, doorsisa, reebamu, adamamu, dheekkamsaa fi hacuuccaa alagaa dura dhaabbachuudhaan warri gidirfaman, mana hidhaatti umrii isaanii fixan, kan qaama hir'atan, xiinsammuudhaan kan miidhaman, kan lubbuun darbanii fi achi buuteen isaanii dhabame kan qubaan lakkaa'aman miti.

Kitaabni "Seenaa Qabsaa'ota Oromoo fi Wareegama kutaa 1ffaa," jedhu kunis, diinqa seenaa seenuudhaan gootota ciccimoo bara jireenyaa isaanii keessatti qaanqee qabsoo waliin wal'aansoo qaban, misooma waliin dhama'an, lubbuu ofii osoo hin qusatin gatii Oromummaaf laatan, qaama ofii itti dhaban, jiruu ofii itti gad dhiisan, kana buuteen isaanii dhabame, sammuu ofii dhaban.....iccitii isaanii baatee adeema.

Seenaa gootota muraasa kana qabatee imaluuf kan dirqames, sababa barreessicha hanqinni baajata maxxansaa fi qorannoo dirreetiif mudateefiidha. Kanaaf kutaa, kutaadhaan addaan qoqqooduuf dirqame. Kutaa 2ffaa fi hanga goototni Oromoo dachee kanarratti dhalachuu hin dhiifneetti seenaa isaanii katabamuun ituma fufa.....

yaamna. Kana keessaa gootolni qaraleen ilmaan Oromoo irraa, qomoo isaanii jecha, dhiiltaa, dararaa, doorsisa, reebamuu, adamamuu, dheekkamsaa fi hacinuccaa alagaa dura dhaabbachuudhaan warri gidirfaman, mana hidhaatti umrii isaanii fixan, kan qaama hir'alan, xiinsammuudhaan kan miidhaman, kan lubbuun darbanii fi achi buuteen isaanii dhabame kan qubaan lakkaa'aman miti.

Kitaabni "Seenaa Qabsaa'ota Oromoo fi Wareegama kutaa 1ffaa," jedhu kunis, diinqa seenaa seenuudhaan gootola ciccimoo bara jireenyaa isaanii keessatti qaangee qabsoo waliin wal'aansoo qaban, misooma waliin dhama'an, lubbuu ofii osoo hin qusatin gatii Oromummaaf laalan, qaama ofii itti dhaban, jiruu ofii itti gad dhiisan, kana buuteen isaanii dhabame, sammuu ofii dhaban.....iccitii isaanii baatee adeema.

Seenaa gootota muraasa kana qabatee imaluuf kan dirqames, sababa barreessicha hanginni baajata maxxansaa fi qorannoo dirreetiif mudateefidha. Kanaaf kutaa, kutaadhaan addaan qoqqooduuf dirqame. Kutaa 2ffaa fi hanga gootolni Oromoo dachee kanarratti dhalachuu hin dhiifuetti seenaa isaanii kataramuun ittuma fufa.....

1. Jaagamaa Badhaanee (1976-1998)



"Bor seenaan Oromoo akka jijjiirramu beeka; gaaficha wayyaaneen, warri Oromoo nyaachaa turan eessuma lixu laata?"

Amboon maqaan yommuu dhahamu, yeroo baay'ee gooticha waa'ee faalama qilleensa Oromiyaa irratti ta'ee....., gammoojjiiin

hammaachaa deemuushee iyyaa turee fi gubachuu Bosona Baaleef garmalee gaddaa ture, Jaagamaa Badhaaneetitu yaadatama. Jaagamaa jechuun “Muka guddaa” jechuudha. “Badhaanee” jechuun ammoo “Arganne, nuuf kenname” jechuudha.

Adoolessa 16, bara 1976 dha. Ijaa fi qalbiin maatii warra carra qabeessaa sun, hillima yaadan rarraatee, ciniinsuu fi miixuu gam lameetiin godaanan. Hunduu akka ayyaana isaatti..., samii ilaalaa yaadan yeelala. Kadhannaa dha. Kan keessa isaatti osoo gumgumu, sagaleen qilleensan jalaa fuudhamee rabsamus danuudha.

Sanyiin isaanii walitti dabalamee..., mucaa dhiigni isaa gootummaan abuurame tokko oofkalan. Jaagamaa tu dhalate. Haala kanaan dirree kanarratti, yeroo garagaraatti..., yeedaloo jireenyaa yeelalaa..., miixatanii, ilmaan dhiiraa Ja’a, Dajanee Badhaanee, Hayiluu Badhaanee, Olumaa Badhaanee, Warquu Badhaanee, Bokonaa Badhaanee, Jaagamaa Badhaanee fi Shamara Lama, Jifaaree Badhaanee fi Baqqaluu Badhaanee wal duraa duubaan qubsiisan. Obbo Badhaanee Bashaa fi haadha gootaa, aadde Kabbabuush Xuurii ti. Lafatu eebbifamtuudha. Dachee jiidhaa, godina Shawaa Lixaa, aanaa Amboo, ganda Qulliitii fi Birbirsaa. Gosa gootichaa, Salaalee (Kuyyuu Ammumaa) fi Amboodhaaf ilma seenaa guddaa tokkotu dhoo’e. Amboo dachee gootaa san!

Daa’imni xinnaan dhalate kun, umriidhuma daa’imummaa isaatti gara laafessa, taphataa fi dubbiin isaa kan nama maalalu ture. Jaagamaa Badhaanee Bashaa!

Garuu kan naatoo ta’ee..., fuula duraa hanga har’aa sabasaa kuulu..., dhukkubbiin ilmaan Oromoo daa’imummaan keessatti dhalatee, waliin dhiphachaa turee osoo firii hin godhatin, osoo muttee sanyiiisaa ija sabasaaf hin hirin, osoo galaanni isaa yaa’ee dhaloota isaaf wabii

hin ta’in, osoo maatii horatee fakkaattiisaa ijaan hin argin, ulfa Oromummaa ciniinsuun baatee umrii ija dargaggummaa sirriitti osoo hin guutiin Oromoof ibsaa ta’ee, ofii baqee, galaa seenaa dhiisee ofiisaa karaa qabatetu seexaa fi xiiqii ta’ee fuuldura sabasaa daaddisa.

Abbaan Jaagamaa obbo Badhaaneen akka carraa ta’ee, harka masaanuu isaatti guddate. Carraa barnootaas dhabe. Kennaa uumamaan qabu, irratti osoo barnoota dabalatee nama jijjiirrama biyyattiif wabii ta’an, ta’uu gochaan isaa ibsuu, maanguddoonni ni dubbatu. Haa ta’u malee, sababa abbaa fi haadha isaa hin beekneen harka masaanuutti guddatee dhiibbaan barnoota dhabuu irratti taasifamee barnoota dhabe. Kanaaf jecha xiiqii qabatanii “Ani yoon hin baratin hafe, ijoolleen koo baratanii haaloo kana bahuu qabu” jedhee ciniinnatee ofii loon keessa ijaajaa ijoollee isaa barsiifate. “Ijoollee koo deemaa..... sokkaa..... baradhaa! lammii baratetu ofirra darbee biyya jijjiira..... akka kootti jaamtanii hin hafinaa” jechaa ture.

Jaagamaanis carraa kana argachuun loon tiksuu dhiisee, yeroo umriinsaa barnootaf gahu, ganda Qulliitii fi Birbirsaa dhiisee obboleessa isaa Hayiluu Badhaanee waliin gara magaalaa Amboo qajeele. Bara 1987, Mana Barnootaa Amboo Sad. 1ffaa /Carii/ jedhamutti kutaa 1ffaa barachuu eegale..... Obboleessi Jaagamaa obbo Hayiluun “Obboleessa koo barsiifadhee.... dukkana keessaa baasee, ifa barii itti agarsiisee..... akka ofii fi biyyasaa tajaajiluuf, adaraa abbaa koo galmaan gaha jedhee, abbaa koorraa fuudhee..... gaafa kun hunduu jimma jimmiite..... ta’ee, obboleessa koo osoo hin deebisin hafu, adaraa abbaa koo osoo galmaan hin ga’in nyaadhee hafu, abjuu natti fakkaata” jedhee imimmaan ija guutee, qilleensi sombaa bahu kokkeetti rakkatee hudhamaa dubbata.

Hayiluun obboleessa hangafaa Jaagamaati. Yeroo baay’ee waa’edhuma shiraa fi xaxa wayyaanee kana waan hin jaallanneef

manneen hidhaa garagaraa keessatti dararamaa tureera. Dabni Oromoorratti ta'u isa guba, ni waxala. Hin jaallatu. Argees hin callisu. Osoo hin fedhinillee aariin keessa isaatti bubbisee waxalama. Garuu wayyaaneen waa'eedhuma inni dhiibbamuu sabasaaf gubatuuf qofa, "Ati ABO dha; ABO hin beektuu?, ABO waliin marii qabda" jechuun Maa'ikalaawwiitti mankaraarsaa turan. ABO yeroo kana akka shororkeessaatti ilaalu waan ta'eef. Yoo har'a guyyaan itti lixee, abbaan biyyaa argamee, akka Jaagamaan jedhe iddoo lixan dhabanii ija jabinaan of jajjabeessan. Of jajjabeessuun warra gaddaa warra gammachuu caala jedhama mitiiree.

Obbo Hayiluun bara 2008 Baatii Sadiif Maa'ikalaawwiitti yeroo obbo Baqqalaa Garbaa waliin turan, hanga arge obbo Baqqalaa baay'ee ajaa'ibsiifata. Baay'ees jaallata. "Obbo Baqqalaan baay'ee si dhaggeeffata; xinnoo dubbata; baay'ee beekaa; waa'ee biyyasaa baay'ee kan yaaduudha" jedhee dinqisiifata.

Jaagamaan barnootasaatti baay'ee cimaa ture. Barattoota hedduuf fakkeenya ta'aa hanga kutaa saddeettaffaatti manuma barumsaa kanatti barate. Yeroo kanatti diinni isaa guddaan kanneen mirga eenyummaa saba Oromoo gad qaban, mootummaa wayyaanee irra keessi dimookiraasii keessisaa bineensa nyaataa ta'ee..., dhaloota qulqulluu hidhaa fi ajjeesaa, beektota fi hayyoota biyyaa baasaa, kaan Qaallittii fi Maa'ikalaawwiitti dararuu fi fixu ture.

Dabalataanis gargaaraa wayyaanee kan ture OPDO n yeroo wayyaaneen kuusaa ilmaan Oromoo Qaallittii fi Maa'ikalawwiitti tolfatee lammiilee itti qaaccessaa, kaan miila kutaa, kaan gurra duuchaa, kaan kolaasaa, kaan gubaa, kaan ajjeesaa kan tureedha. Jaagamaa fi warri kun walii diina turan. Dhangaa walii wal jalaa nyaatanii miti. Mirga sabasaaf qofa waan falmatuuf jibbame.

Umrii isaa daa'imummaa kanatti bilchinni inni qabu, dubbiin inni

dubbata, hojiin inni hojjatu akka waan uumamni eebbisee irratti cobseeti malee, kennaa guyyaati hin jedhamu. Gochaan isaa hundi iccitiidha.

Barataa Oromoo goota, gara kuteessa fi gamna barattoota kaaniif fakkeenya ta'aa tureedha. Sochii barattoota Shawaa Lixaatti dursa taasifame keessatti adda durummaan kan barattoota qindeessaa turee fi kan sabboonummaa Oromoo barattoota keessatti dagaagsaa ture Jaagamaadha. Yeroo kutaa 7ffaa baratu illee mandhee dhoksaa barattootatti ijaaramee kan qindeessaa ture ta'uu isaa hiriyootti isaa har'a hirqinfachaa dubbata.

Jaagamaan beekaa, kan dubbatee nama hin mufachiisnee fi kan namoota hedduu biratti jaallatamuudha. Kana irraa ka'uun barattootni Oromoo naannoo Amboo akka **motora sochii** isaanitti isa ilaalu. Waan kamuu yoo ta'e, waan kamuu yoo dubbatame, waan kamuu yoo mari'atame, eenyumtuu murteessuu fi dubbachuun dura "**Jaagamaan maal jedhe.....?**" jedhu turan. Qabsaa'ota Oromoo ciccimoo garagaraa waliinis wal qunnamee milkaa'ina isaanii aanjessuuf hojiiwwan garagaraa hojjachaa kan turee fi waa'ee ilmaan Oromoo kanaaf yaaddoo qabullee waliin mari'achaa tureera.

Akka obboleessi isaa hangafaa himutti raadiyoodhumtillee waa'ee wayyaanee yoo dubbatu, mana dhiisee ba'a; yookiin "Narraa cufaa" jedha ture jedhu. Hidhataadhuma wayyaanee yookiin humna waraanaa isaanis karaarratti yoo arge, aariin guutamee onneen isaa ho'ee, hafuura dhahataa ture. Kunis sababuma haqa saba Oromoo osoo agartu daaraa itti dibdee..... ajaja wayyaanee fudhattee lammii nagaa rasaasaan duguugaa turteef qofa ture. Kanaaf dafee fuula irraa garagalata jedhan.

Yeroo baay'ee jecha saayinsistootaa fayyadama. Akkuma abbaasaa lammii baratu baay'ee kan jaallatu fi akka barataniif baay'ee kan jajjabeessu ture.

Keessaayyuu daa'imman xixiqqoo barattu karaarrattis yoo arge, "Ijoolle jabaadhaa baradhaa....., daa'imni waraqaa adiidha jedhu saayinsistootni, sammuu keessanitti yeroon fayyadamaa" jedhee jajjabeessee bira darbaa ture.

Barnoota isaattis baay'ee cimaa kan turee fi gosa barnootaa kamuu qabxii dhibba keessaa yeroo kamuu dhibba guutuu fidaa kan tureedha.

Haaluma kanaan itti fufee bara 1994 kutaa 8ffaa xumuree bara 1995 mana barumsaa Amboo Sad. 2ffaa fi qophaa'inaa gale. Barattoota fi barsiisota isaa biratti baay'ee kan jaallatamu, barsiisaa caalaa barattootas kan barsiisuu fi barsiisaa caalaallee, barnootasaa barattootni akka jaallatan hiriyootni dareesaa yeroo san turan ni himu. Yeroo baay'ee guyyoota hedduu harkisaa boronqii qofa akka ta'es dubbatu.

Barsiisota Jaagamaa barsiisan keessaa barsiistuun tokko ijaan hin agartu turte. Barsiistuu kana yeroo hunda kan M/B geessu intalashee baay'ee bareedduu kan taateedha. Barsiistuun kun cimina Jaagamaa kana yeroo hunda dhageessi. Baay'ee jaallattis..... Guyyaa tokko akkuma daree seenteen sagalee ol kaastee akkas jetteen, "Aantee Jaagamaa gurraahin samichaaloow; taamiraallee aaluu, waa lijeen bicha" jechuun barattoota kolfa lafarra gangalchite. Dubbiin ishee iccitiidha.

"Barnootasaatti baay'ee cimuurra darbee barreeffamni harkasaa illee bareedinni isaa adda" jedha hiriyaansaa dhiyeenyaa Shuumii Dandanaa. Dubbatee nama amansiisa. Bareedinni fuulasaa fi dubbiin inni dubbatu walirraa simboo addaa kenneef. Jechootni inni dubbatu uumamumaan akka miidhagu ta'e.

Jaagamaan duraan daree isaa itti baratu keessaa sad. 1ffaa gad lakkisee hin beeku ture. Haa ta'u malee, bara 1995 kana barattootni

dareesaa shamarran lama; Rooman Dinquu fi Helen Taaddasaa kan jedhaman 1ffaa fi 2ffaa bahanii Jaagamaan 3ffaa bahuuf dirqame. Yeroo kanatti "Akkamiin sad. 1ffaa bahuu dide?" jechuun baay'ee aaruun "Bara kana baruumsa hin baradhu; bara dhufu cimee dubbiseen sad. 1ffaa baha" jechuun xiiqii qabatee baruumsasaa addaan kute. Kun barumsasaatti hangam cimaa akka ta'ee fi hangam akka jaallatu agarsiisa.

Bara 1996 ammas, kutaa 9ffaa tti deebi'e. Yeroo kana hiriya isaa qabsoon ciccimoo ta'an Shuumii Dandanaa fa'i waliin wal baruuf carraa argate. Barri kun Amboo guutuuf bara qabsoo ture. Barattootni kunneen bara kana qabsoo gaaffii ilmaan Oromoof adda duree turan. Keessumattuu Jaagamaan Barattoota sochoosuun "Hanga gaaffiin keenya nuuf deebi'utti, hanga miidhamni Oromoo dhaabbatutti, hanga wanti dhabne nuuf galutti hin barannu" jechuun sagalee guddistuun lallabaa barattootaf warraaqsa ta'aa ture.

Carraa argate kamirrattuu immoo waa'ee faalama qilleensa Oromiyaa osoo hin kaasin hin darbu. Guyyaa tokko walgahii M/B Sad. 2ffaa tti hawaasni bal'aan walitti qabame irratti "Erguma jarri kun dhuftee.... qilleensi Oromiyaa illee faalamee, biyyi keenya gammoojjii ta'aa deemte. Isaan garuu kan yaadan akkaataa aangoo isaanii itti tursiifatanii fi siyaasa isaanii itti bareeffataniidha. Akka itti Oromoo hidhan, akka itti Oromoo ajjeesan, akka itti Oromoo luugama gidiraa keessa galfatan ture" jechuun yaaddoo dacheesaaf qabuu fi hojii wayyaanee ifatti dubbate.

Waa'een biyyasaa hirriiba kan dhoorku Jaagamaan yeroo bosonni Baalee gubatu ammoo, turtii yeroo muraasaaf namallee dubbisuu didee, nyaata lagatee qofaasaa calleensan guutamee, yaadan gumgumaa, gubachaa, gadda cimaa gaddaa akka turetu himama. "Yaa biyya koo ni gubatte, si gubanii gammoojjiin nu fixu" jechaa baay'ee

gadduusaa obbo Hayiluun ni dubbatu. 1989 irraa eegalee bitamtoota fi jala kaattota OPDO yeroo sanaan waa'een Jaagamaa basaasamaa kan ture, jarreen ciisa dhoorke. Haaluma kanaan sababa "Alaabaa si'achuu" jedhuun namoota 11 waliin Guraandhala 1996 himatni irratti baname. Jaagamaa himatamaa lakkoofsa 1ffaa ta'ee himatamuun karchallee Amboo gale.

Hiriyootni isaa kanneen akka Shuumii Dandanaa fa'is adda duree turan. Yeroo mana hidhaa turan kanattis mana hidhaa keessa taa'anii qabsoo adda addaaf haala mijeessaa turan. Jaagamaa uumamumaan kennaa dandeettii waa bocuun miidhagsuu qaba ture. Mana hidhaa kana keessatti Shuumii waliin Kaartaa Oromiyaa mukarraa bocanii tolfatanii turan. Kaartaan kun Walloos dabalattee yeroo ilaaltu gam tokkoon shugguxii fakkaatti turte. Gamtokkoon yoo ilaaltu ammoo Kaartaa Oromiyaati. Kaartaa kana mormarratti fannifatu ture.

Boca kaartaa Jaagamaa kanarras barreeffamni jiru akkas, **(OY, H³ B)** jedha ture. Hiikni isaas;

O= Oromiyaan

Y= Yoomiyyuu

H³= Harka, Halagaatti, Hin

B= Bultu

Kan jedhu ture.

Baatii 6 f Karchallee Amboo turanii, mirgi wabummaa eegamuunif Caamsaa keessa wabiin bahan. Haa ta'u malee, yeroo bahanitti, barnootni jala darbee carraan barnoota bara kanaa jalaa gubate. Isaanis ittuma dhiisanii bara itti aanuuf of qopheessan. Bara bofti nama hidde lootuun nama se'atti jedhu mitiiree. Bara 1997 Fulbaana yeroo barumsatti deebi'uuf dhaqan....., rakkoo adda addaa uumtanii jirtu, jeequmsa keessatti hirmaatanii jirtu jechuun murtee fi ajaja

OPDO n mana barumsaa irraa waggaa 2 (lamaaf) adabaman.

Akka bishaan Haroo irra isaa ilaalaa, keessa ofiitti iccitii inni baatee adeemuuf jecha guutuu isaan hin liqimfamne, keessa ofiitti guggubatus, qabsoo Oromoof ta'uun isaa ammoo isa gammachiisaa gaabbii tokko malee, abdii fuula isaa dura jirutti imaanaa dhaammatee adabbichas fudhate.

Kana booda, Jaagamaa sammuusaa akka tasgabbeessuu fi hojjatee akka qarshii argatu, akka itti hin dhagahamne isa gargaaruuf jecha, qabsaa'aan yeroo baay'ee hidhame, abbaan mana suuraa Tsiyoon obbo Masfiin Fufaa mana suuraasaatti qacare. Jaagamaanis bara kana qabsoo ummata Oromoo cinaatti mana suuraa Tsiyoon magaalaa Ambootti argamu keessa hojjachaa ture. Ofiisaatifis kennaa addaa, bocaawwan adda addaa dandeettii bocuu qaba. Ijumaan ilaalees fakkii namootaa kaasee lafa kaa'aa ture.

Bara barnootasaanii irraa adabamanii lafa ba'an 1997 kana, dargaggoota adda addaa waliin wal gurmeessanii hojii keenya jedhanii qabsootti bobba'an. Paartii KFO jalatti..... gurmaa'anii mandhee dhaabbatan. Warquu Fayyeeraa Itti gaafatamaa, Daawwit Urgaa barreessaa, Shuumii Dandanaa Itti aanaa turan. Jaagamaa ijaarsa fi dadammaqiinsarra ture. Uummatatti bahanii, waltajjii gurguddaa walitti qabuun "Yaa uummata Oromool nuti dhumneerra. Waan baay'ee tu sin hanqata. Bulchiinsa isiniif ta'u filadhaa. Bilisummaa sin barbaachisa. Saamamtanii jirtu. Waan hedduutu sin hanqata. Karaan kana ittiin guuttattan ammoo qabsoo qofaadha" jechuun hawaasa Amboo dammaqsa turan. Hiriyoota ciccimoo kanneen akka ilmaan sadan Beekaa: Abdii Beekaa, Waayyuu Beekaa, Girmaa Beekaa, Qana'aa Chuuchee, Simmany Dayyaasaa, Imnat Hayiluu, Boontuu Shuggii, Roobee fi kkf danuu waliin bara kana qabsoo cimaa taasisuun ittis milkaa'anii jiru.

Sochii dargaggootni qabsaa'otni kunneen taasisaniin bara 1997 kana filannoo tureen KFO n godina Shawaa Lixaa aanaalee hedduurratti moo'achuudhaan namootni baay'eenis paarlaamaa galuu danda'aniiru.

Jaagamaa bara 1997 barnoota malee ba'e kana sochiilee hangana hin jedhamne taasisaa ture. Dadammaqinaa fi kallattii qabsoo Oromoota Shawaa Lixaa keessatti hojiilee gurguddaa hojjateera. Wayyaanee fi OPDO magaalaattii gochi isaa kun, baay'ee aarse. Sababa kanaaf jecha "Jaagamaa bara 1998 tis yoo lafa ba'e sochii cimaa taasisa. Nuuf hin tolu" jechuun mari'atanii barumsasaa waggaa 2 adaban dhiisanii 1998 akka M/B tti deebi'u taasisan. Kun garuu isaaf yaadanii hin turre.

Mana baruumsaa fi iddoo deemu hundattis akka hordofamuuf xiyyeeffannoo guddaa itti kennanii hordofaa turan. Ooltee fi bulteesaa....., jechaa fi gochasaa dhiyeenyaan jala bu'anii hordoffii cimsan. Bara 1998 kana duula fincila diddaa gabrummaa Oromoo jedhuun qabsoo cimaan finiinamee ture. Duula kana Oromiyaa guutuutti taasisuuf qindeessaan isaa leencicha barataa Amboo Jaagamaa ture. Biyyoota alaa fi keessaa Oromoota danuun qindeessanii Jaagamaa fi Shuumiin abbaltii fudhachuun M/B keessatti qooda guddaa taphatanii jiru. Waldaa Warraaqsa Bilisummaa Dargaggoo Oromoo (WBDO) ijaaruunis achi keessatti iccitii isaanii danuu ittiin kuulanii jiru.

Shuumii Dandanaa aanaa Liiban Jaawwii ganda Tokkee Kombolchaatti dhalate. Hiriya Jaagamaa sadarkaa duraati. Qabsoo Oromoo keessatti mana hidhaa mana jireenya isaa godhate. Yeroo 21 mana hidhaatti bahee yeroo 21 mana hidhaatti deebi'e. Bara 1996 osoo Jaagamaa fa'i waliin gara karchallee Ambootti hin dhufin dura waajjira poolisii magaalaa Gudaritti hidhamee ture. Poolisootni achi jiranis, iccitii ABO waliin qaba. Nuti amansiisuu hin dandeenye. Isin

amansiisaa jedhanii Kaampii waraanaa iddoo Ajoo jedhamutti dabarsan.

Kaampii kanattis warroota ergama ABO adda dureen bahan jedhanii shakkan sadii "Sin awwaallaa boolla qotadhaa" jedhanii dirqisiisan. Namoota sadan isaanii ciibsanii boolla isaan gahu dalga M 4, asii gadee M 7 safaranii qotaa jedhaniin. Isaanis osuma ijaan argan reebichi waan itti hammaateef guyyaa 3 tti qotanii fixan. Yericha boolla kana qotan Shuumiin fa'i nu sobu namni itti hin awwaallamu abdiin jedhu keessa isaanii jira ture. Jarris kan jedhan dhiisanii boollicha hojii biroof oolchan.

Boodarra garuu maatii jalaa dhoksanii fuudhan waan ta'eef, barbaachi maatii isaanii hammaachaa dhufe. Olbaanaa Leellisaa qabsaa'ichi Oromoo barbaacha isaaniiif kaampii kana taa'ii fi ka'ii dhoorke. Olbaanaas carraansaa boodarra qabamee achuma mana hidhaa galuu ture. Ofii hidhamus qabsaa'ota Oromoo sadan boolla ofii qotatanitti akka hin awwaallamne oolcheera.

Shuumiin dararaa adda addaa fi reebicha guddaa argeera. Reebicha lakkoofsa 8 jedhamus reebamee jira. Fannifamees..... fannoo irratti qaama saalaa fi afaan isaa wadaroo (funyoon) hidhuun qeensa irraa buqqisaa turaniiru. Jaagamaa waliin ammoo iccitii qabsoo daakanii turan.

Bara 1997 bara filannoo sobaa, bara qanqalloo wayyaaneen hatte Jaagamaa haqaaf falminaana baay'ees dararaa turan. Filachuuf osoo hin taane jeequuf dhufe jedhanii akka hin filanne mirga filannoos irraa mulqan. Dhiibbaa hedduus irraan gahaa turan.

Hiriyootti isaa yoo himan jechi Jaagamaa yeroo san dubbatu, "Oromoon abbaa biyyaa ta'uu qaba. Oromoon bobaa ormaa jala galuu

hin qabu. Bobaa ofii jalatti bulchuu qaba malee. Oromoon dur sirna Gadaan bulaa ture.

Nuti Gadaa qabna. Odaa gaaddisa qabna. Kan nu miidhe Wayyaanee miti; OPDO dha. Wayyaaneen yoo nu fixxu OPDO n gargaaranii nurratti dhiisan. Seenaan ilmaan Oromoo akka jijjiirramu beeka. Garuu sodaa koo guddaan gaaficha warri Oromoo miidhaniifi nyaatan eessuma lixu laata?" jedhee ifaa ifatti yaada garaasaa keessa jiru ibsataa ture gootichi umrii dargaggummaan dhugaa har'aa abjote.

Guyyaa tokko warri yerichaa, waajjira nageenyaatti yaamuun akkas jedhaniin "Ati maaliif nun dhiistu?, Gochaa hojjachaa jirtu kanas maaf hin dhiisne?, Ati nu dhiisuu didde mitii?" jennaanin, Jaagamaanis sodaa tokko malee "Isinuu qalbii jijjiirradhaa. Kana caalaa kam akkan sin dhiisu feetan?, Isin dhiisuun lamaa? Waan garaan keessan fedhu raawwattan. Na hiitan; na reebdan; kana caalaa maal akkan sin dhiisu feetu? Ani umrii daa'imummaa kootti qalbii koo kan hawwatan waan lama turan. Isaanis, Oromo Liberation Front fi OPDO dha. Amma garuu isin diina kooti. Saba koo ajjeestan. Kanaaf amma OLF tu miira koo weeraree jira." jedhee tuffii isaaniif qabu itti agarsiise.

Achii poolisichi itti dubbachaa jiru deebisee, aariin.... "Hin dhiistu jechuudhaa? Egaa siif salphaadha. Rasaasa tokkotu si gaha" jechuun itti dhaadate. Jaagamaanis deebisee "Rakkoo hin qabu, tokkuma yaa ta'u. Rasaasa soddoma naaf hin godhinaa malee" jedhee iddoo inni taa'ee jirutti dhiisee biraa bahee sokke.

Egaa guyyaa eeggatanii guyyaan fafaa, guyyaan hir'uun, guyyaan abaarsaa, guyyaan dhiiga gootaa yoo dhugde malee hin boqonne geessee Jaagamaa gooticha dargaggeessa barataa Oromoo kennuuf dhufte. Maal qaba osoo guyyaan sun hin dhalanne ta'ee yookiin

Jaagamaan manaa hin baane ta'ee jedhaniis hidhii xuxxuuxuun ummata Amboos garaa booreessaa ture.

Onkololeessa 30,1998, guyyaa keessaa sa'aatii 6:00. Mana barumsaa Amboo Sad.2ffaa irratti barattootni osoo daree jiran duuban dhagaan darbatame. Barattootni muraasni ammoo bahanii jiru. Barsiisaan Shuumii fa'i barsiisu dareedhaa dafee bahuu dideera. Duulli fincila diddaa gabrummaa kun har'a sa'aatii kana eegala ture. Jaagamaan Abbabach Laggasaatiin "Shuumiin hoo jedhe?" Shuumiin daree jira ture. Kanumaan barattootni wareeranii fooricaa, iyyaa ba'an. Jaagamaanis guyyaa barattoota barsiisaa oolee harka isaa daaraa boronqii uffateen barattootuma waliin bahe. Karra M/B fuuldura yoo gahan, poolisiin tokko qawwee laphee isaa irratti fannifatee dhaabbata ture.

Jaagamaa yoo argu, "Jaagamaa aanta nawu? Quum!" Jedheen. Jaagamaanis, "Eeyyee anuma; maalan balleesse?" jedhee dabtara isaa lapheerratti qabatee dhaabbate. Kana booda poolisichi callisee rasaasa mormasaatti dhukaasee, kuffise. Yeroo kana hiriyaa Jaagamaa kan ta'e Kabbadaa Badhaasee "Maaloo maali biyyi akkanaa; dhaabbadhu jennaan innoo dhaabbatee maal balleesse jarana?" Jedhee reeffa isaa kaasuuf yoo itti fiigu, poolisichi Kabbadaa Badhaasees itti dhukaasee barattoota Oromoo qabsaa'ota lafaa dhufaa lama wal biratti kuffise. Imimmaan miti, gubaa miti..., godaannisa guddaa tokkotu madaa madaan xaxame dabalate. Gara hammeenya wayyaaneen ilmaan Oromoof qabdu akka baala ibichaa kan hadhaa'u, seenaaf seenaan sa gaafatu jennee handaara daakne.

Ajjeechaan guyyaa kana ta'ee itti yaaddameetuma ture. Warra bara 1996 mana hidhaa ture, bara 1997 ammoo baruumsa irraa adabamee mana bahe keessaa, nama lama kan jedhu ture. Kabbadaa Badhaasee reeffa olkaasuu dhaqnaani fi Amboo guutuun qabsaa'aa akka ta'e

waan beekaniif sanyii balleessuuf ture malee ajjeechaan garuu Jaagamaa fi Shuumiif dhufte turte.

Kabbadaa Badhaasee godinuma Shawaa Lixaa, Xuqurincinniitti kan dhalate yoo ta'u, barataa adda duree, tasgabbaa'aa, of dursee namaaf baay'ee kan quuqamu, dabni haqa eenyummaa sabasaarratti raawwatu yaaddoon waxalaa, garaa booressaa, aadee gumgumaa jiraachaa akka ture hiriyyootni isaa yerichaa ni himu. Kabbadaan dhumni lama hin jirtu, yoo jiraanne waliin, yoo duune waliin, waliin du'uun lafee walii wal utubsuudha jedhee barataa sanyii gootaa Jaagamaa waliin wal boraafatanii ciisaniidha. Barsiisaa tokkorraa baratanii, leemman tokkorraa waliin nyaatanii waliinis....., iccitii dhoksaa isa lubbu qabeeyyiin kamuu akka hin dhageenye fedhan waliin fudhatanii sokkan. Ofiif du'anii biyya isaanii dhiigan shira irraa haqan. Barattoota Oromoo! Biyyoon sinitti yaa salphattu.



Kabbadaa Badhaasee

Ummatni Amboo goototni gara kuteeyyiin, warri tokkummaa ba'anii deebi'anii manatti galuu didan. Aadanii baroodan. Gubatanii ciranii of fixan. Dhukkubsatanii lafa haadhanii gadoodan. Du'a ilmaan isaanii lamaanif daandii qabsoo qabatanii imalan. Ta'us, wayyaaneen waraana isaa baay'ifatee kaan reebuudhaan, kaan mana hidhaatti guuruudhaan dhaadannoo ofii cimsatee gidirsuu itti fufe. Namoota mana hidhaatti guuraniinis "Jeneraala keessan gombifnee maal gooturee? Marii keessan ajjeesnee maal fidduree? Amma booda

tokkoon tokkoon keessan nu jalaa hin baatan" jechuun itti dhaadachaa turan. Eeyyee Oromoon jeneraalota hedduu qaba sirriidha. Tokko ajjeesanis kuma ta'eetu dhalata.

Karri M/B Amboo Sad. 2ffaa gootota Oromoo lama ofirratti galaafachiistes, carra dhabeettii taatee, dhiiga ilmaan Oromoorra akka hin deemamneef cufamte. Yeroo ammaa magaalaa Amboo yoo seenan gara harka Mirgaatti Asfaaltii cinaa, karra M/B Sad. 2ffaa gubbaa iddoo Jaagamaan itti du'e Odaafi Kaartaa Oromiyaa armaan gadiitu argama.



Jaagamaa Badhaanee erga boqoteen booda hiriyyootni isaa Massalaa Caalaa, Farajaa Kuburee, Biiniyaam Baqqalaa fi kkf. jaalala isaaf qabanirra darbee eenyummaan Jaagamaa isaan keessa jiru yoomuu dagatamuu akka hin dandeenye yoo himanii fi dhugaan dhiigasaa baasuuf bahaa turan daran galateeffachiise. Kabbadaan Badhaasee kanarras darbee lubbuu ofii dabarsee kenneef. Kun tokkummaa ummata Amboof ragaa guddaadha. Akkasumas kan gootota dirree Abeebee Qeerransaa obbo Zawugaa Booji'aa fi obbo Mul'ataa Badhaanee bara dargii keessa ture tokkummaa Amboo ibsuuf dargaggoota lamaan kanaan haarome. (Seenaa Zawugaa) ilaalaa. Jaagamaa Badhaanee barataa Oromoo mirga sabasaaf falmaa turee Onkololeessa, 30, 1998 kabajaa sabasaaf qabuuf jecha hirriiba gala hin qabne rafe. Awwaala 'Protestant' kan naannoo Istaadiyoomii magaalaa Amboo jirutti sirni awwaalcha isaa raawwatame.

Oromoon baroota hedduuf hacuuccaa isarratti taasifamaa ture jibbee, barri ni dhufa..... barri ni darba jabaadhu..... abdii hin kutin..... abdii kutuun hin geenye.... imaltuu hin galle ta'i jechaa.... qaanqee hadhaaf dhufe mi'aadha jedhee osoo beeku qaqaammachaa barootaa barootatti, akka ija duumecha roobuuf jedhee sobu samii keessa ol eegduu ol eegaa lee'aa ture. Ta'us bara Qeerroo, bara ilmaan Abbaa Gadaa, akka waansaa abjuu, akka gugee balali'ee dhufee waa qubate. Kana eenyumtuu hin amanne. Dhugumas abjuu fakkaata. Baay'een namootaa har'atti ta'a jedhanii hin eegne. Yookii 'jenereeshinii' dhufu, ilmaan ilmaan keenyaatuu kana ijaan arga malee nuti arguun abjuudha jechaa keessa isaatti of dudubbisaa turan.

Waaqni Oromootaa jabana hedduuf gidirfamaa turee dhagaheet, barabaraan hidhii xuuxuu san hambiseetu ilmaan Abbaa Gadaan hidhamaa isaa hidhaa baasifate. Kunis tokko, kuunis gaaf tokko jedhu mittiree? Egaa kanaan xiinxalaan siyaasa addunyaa Jawaaris jijjiirrama dhufe keessatti utubaa handhuuraa ta'ee waan tureef dachee jijjiirramaa, dachee cincila foolii bilisummaa labsitu kanan arga jedhee gara Oromiyaa qajele. Biyya Ameerikaa yeroo jiru, "Jaalala hawaasa Amboof qabuuf jecha miila duwwaan (kophee malee) Amboo keessa deema" akkuma jedhe waadicha guutuuf gaafa 30, 11, 2010 biyya seenee barii Ambootti qajele.

Wanti namatti dhagahamu, jijjiirramni kun dhufuu caalaattuu seenaa Ambo jiruudha. Ummatni Amboo godaannisa madda garbummaa fi quuqqaa sabboonummaa akkuma ummatni Oromoo kutaa biraa qabutti qaba. Garuu akkaataan isaa tokko miti. Ambo ABO n chaartarraa dhiibamee ba'uu duras wayyaanee jilbiibbiin oofee wareegama hedduu kaffalee, humna qawween laafe. Kanaaf sirbi "Amboo gara galgalaa" jedhu ragaadha. Hundaa ol mallattoo yaadannoo isaa kan akka wayyaaneetti ciniinnatee cichoominaan mormu isa dirqisiise keessaa du'a Jaagamaa Badhaanee

fi Daraaraa Kafaniiti.

Guyyaa kana gaafa Amboon Jawaar simatte, Jawaar "Dhiiga Jaagamaarra kopheen hin deemu" jedhee miila duwwaa deemuu achii eegaluun isaa, madaa ummata Amboo hooqee, kan akka Haacaaluu Hundeessaa hiriyaasaa imimmaan dhiigaa booreen guutame akka boo'u dirqamsiise. Imimmaan nama hin galchuuf malee ummatni Amboo lubbuun hedduun itti wareegamtus duuti Jaagamaa adda waan ta'eef dhiiga fi lafeen deeffachuu filata ture. Hundaafuu akka dhiitetti hin haftu.

Biqiltuun Odaa Jawaar guyyaa kana iddoo Jaagamaan itti wareegametti dhaabe, Haacaaluu fi ummata Amboo imimmaan fixachiise kunis guddatee firiisaa san akka godhatu abdiidha.....

Haacaaluun gooticha aartistii beekamaa...., dacheen Amboo Oromoodhaaf laateedha. Magaalaa Ambootti dhalatee guddate. Erga of baree kaasee dararaafi cunqursaa ilmaan Oromoorra gahaa ture, ijjisaa arguu hin fedhu. Ilmaan Oromoof jedhee Karchallee Ambootti hidhamee, ittis reebamee jira. Mirga ilmaan Oromoorraa mulgamee lee'amaa kan as ga'e keessatti guyyaa tokko boqonnaa osoo hin argatin kan bowwaafataa ture daandii shira xaxxootaaf karaa laachuu tasuma hin barbaadu ture. Boodarras weelluu adda addaatiin dararaafi garbummaa ilmaan Oromoorra ture ofirraa qolachuuf dirree weelluutti seene. Keessaayyuu sirbi isaa gaafa Galma Barkumee Finfinneetti, mata duree "Lammiin Lammiif" jedhuun ummatni Oromoo miliyoonan lakkaawamuufi sabootni biroo walitti qabaman "Kiiloo 4 galaa maaf teessu, Farda kee soori, Eeboofi Gaachana kee qabadhu..." jechuun geerare raaga ykn akeeka jijjiirrama turee ta'eetu seeneffama. Haacaaluun nama garaa laafessaafi lammiisaaf quuqamu, ofii beela'ee beela'aa nyaachisu, ofii dheebotee dheebotaa obaasu, hayyuu ilma Abbaa Gadaa gooticha sodaa hin qabne dacheen

Oromiyaa Oromoof biqilchiteedha. Seenaa Haacaaluu kutaa 2ffaa keessatti eegaa.



Leencicha Barkumee

Guyyaa simannaa kana Jawaar ummata Amboof haasawa akka taasisu yeroo affeerametti, dubbii isaa dursa quuqama-sabasaaf qabu ibsuuf, qabsaa'aa yeroo dheeraaf mana hidhaa ture Olbaanaa Leellisaa ergaa akka dabarfatu kabajaan waltajjii irratti affeeree ture. Olbaanaa Leellisaa qabsaa'aa mirga warra cunqurfamtootaa kan ta'e, umrii hidhaa dheeraaniis saba Oromoof seenaa qaba. Keessumattuu kan yaadatamu obbo Baqqalaa Garbaa fa'i..... waliin mana hidhaa tokko turanii, obbo Baqqalaan biraa ba'ee yeroo itti aanus shira xaxxootaan yeroo mana hidhaatti deebi'u Olbaanaa Leellisaa achuma jiraachuu isaati. Dabni dhaloota ilmaan Oromoo irratti raawwatamaa ture madaa yoo xuxxuqan godaannisa ta'us, biiftuun ifa bilisummaaf miila saaqxe dhalootaf galaa, wareegamtootaaf yaadannoo taatee akka milkiin lixxu abdii qabna.

Olbaanaanis ummata Amboof haasawa yoo taasisu akkas jedhe "Gaafa waggaa 24 har'aa abbaa keenya karrasaa fuulduratti ajjeesan akkas jedhan 'Amboo mataa gad cabsinaa' jedhan. Gaafuma san Amboon ba'et nu'ii fi isin keessaa abbaa mataa cabu ilaalla jedheet garagale. Abbaa cabes itti agarsiise. Keessattuu immoo har'a gammachuu guddaatu nutti dhagahama. Qeerroo Amboo, gaafa obboleessa

kenya Jaagamaa Badhaanee mana barumsaa fuulduratti ajjeesan haamilee barattoota Oromoo cabsina jedhaniiti. Garuu haamileen barattoota keenyaa hin cabne. Kunoo seenaa fi seexaa ta'eetu karaa nuuf saaqe. Har'as jarri nurraa taa'aa hin jirtu. Nuti Oromoon warra jaalalaa fi nagaati. Shira keessanis, arraba keessanis nurraa sassaabbadhaa. Ta'uu baannaan Lammaan jira; Dr. Abiyyi jira; Jawaar jira; yoo humnaan dhuftes WBO n jira." Jedhee quuqama qabu dabarfatee, tokkummaa ummata Oromoofi sodaa bineensota barichaas akka hin qabne ifatti itti agarsiise. Jaagamaa ajjeesuun isaaniis...., haamilee barattoota Oromoo cabsuuf akka ta'e ibse.

Yeruma kana Jawaaris yeroo haasawa taasisu, jaalala Jaagamaa fi obbo Daraaraaf qabu yoo ibsu "Amboo biyya Jaagamaa Badhaanee, Amboo biyya Daraaraa Kafanii, bagan keessan ta'e" yoo jedhu ummatni Amboo fi Qeerroon Amboo iyyee, fooricee, garmaamee mil'uu coba seenaa agarsiise. Jawaar ummata Amboof miidiyaan OMN oolee osoo hin bulin akka dhaabbatu yoo ibsus hawaasni Amboo baay'ee gammade. Akkasumas jaalalaa fi kabajaa ummata Amboof qabuuf jecha siidaan wareegamtoota gootota Oromoo waliigalaa Ambootti akka dhaabbatu yoo dubbatu ummata Amboof gammachuu daangaa hin qabnetu dabale.

Siidaan kunis yoo ijaarame deebii artistii Daadhii Galaan "Gaaffiin qaba" jedhee qabsaa'ota yeroo kana, kana buuteen isaanii dhabame, Jaal Nadhii Gammadaa, Jaal Baqqalaa Dawwaanoo, Hayyuu Dabbasoo Guyyoo, Jaal Lammeessaa Boruu, Jaal Yooseef Bantii, Barsiisaa Kabbadaa Hurrisaa, Jaal Baroodaafi kkf fa'iif weellise keessatti,

"....kan bilisummaa sabasaaf jedhee ka'ee
Biyyasaaf jedhee du'ee
Irbaata biyyoo ta'ee
Galata qabaa (2)

Kaayyoo galmaan ga'ee
 Jaallan kufaniif
 Siidaa ijaarrannaa
 Kan jiru wal gaafannaa
 Isa du'e yaadannaa
 Walitti labsaa (2)
 Qeerroon ergaa qabnaa
 Garbummaa didee
 Meeqatu reebamee
 Karchalleetti dhaanamee
 Inni kuun wareegamee
 Nutti ya himamuu (2)
 Siidaan ijaaramee....."

Jedhee gaaffateef deebii deebisuunsaa galma ga'iinsadha.

Jaagamaan ilmaan Oromoo keessa jira; ilmaan Oromoos Jaagamaa keessa jiru. Hiddi handhuuraa utubee sanyiif dhalootatti imale maddasaa dagatee adaraa gootaa hin nyaatu.

2. Roobaa Buttaa /Daadhii/



"Maqaa baduu mannaa mataa baduu wayya"

Roobaa Buttaa maqaa masoo gootummaa isaaf qabsoo dhaabaa keessatti moggaafameefidha. Maqaa sirriin Gooroo Bubbee ture. Godina Arsii, aanaa Honqooloo Waabee, ganda Maccituu, araddaa Dhawaa jedhamturratti dhalate. Araddaan "Dhawaa" jedhamtu kun kan moggaafamte, yeruma Roobaan Minilik waliin wal falmu,

Oromoota yaasee mala irratti dhawatuudha. Bakka mala itti dhawatan jechuu dha.

Gosti isaa Kojii dha. Haadha manaa maqaan ishee Suukii jedhamtu fuudhee ijoollee hedduu horatus, haadha manaa isaa fi ijoollee isaa baay'ee dhibeen Gifir baricha..... hammaatee ture fixuutu himama. Diinni Oromoo Minilik bara weerara isaa keessatti Oromoota Arsii cabsuu dadhabnaan namaa fi horiittillee dhibee Gifir jedhamu kana biyya ambaatii fidee ummata Arsii keessa bittimse. Muhammed, (2007:199 maxx.3ffaa)

Diinni ummata Oromoo ka Minilikiin durfamu, gootota Oromoo Arsii waraanan cabsuu dadhabnaan, ummanni dhibee "Gifir" (small pox) jedhamuun akka qabamu uffatatti godhanii biyya keessa facaasan. Loon isaanillee dhukkuba loonii ka dur biyya Oromoon hin jirreen akka qabamu, haaluma walfakkaatun biyya keessa akka tamsa'u taasisan. Booda ummata fayyaan laaffisee fi diinagdeen hiyyoommate laayyotti cabsee gabroomfatuu danda'e.

Umrii daa'imummaa isaatti nama gaarii, wantoota addunyaa irra jiru hunda baasee beeku kan barbaadudha. Kan biroo yaa hafuu, sangaan qalamee foon isaa yoo dhiyeessaniif illee hanga sangaan sun sababa qalameef mirkaneeffatutti nama hin nyaatne ture.

Ummatni Oromoo akka baratuuf galma Qaalluu Leelee ijaaruu keessatti carraaqqiin inni taasisaa ture olaanaadha. Akka Abbaan Gadaa aanaa Shirkaa Huseen Maammee abbaasaanii umrii 165 tti bara 1981 boqotan irraa odeeffannoo fudhatanii himanitti....., baruma Minilikiin dura bara mootii Atsee Tewodiroos fi Atsee Yohaannis 4ffaa (1847-1881) keessa barnootni "Qaalluu Leelee" jedhamu akka baratamu dubbatu.

Kitaabni/Leeleen/ irraa baratan kun waa'ee leetoo fi addunyaa kanaa guutumaan guutuutti walitti qabee barsiisa ture. Booda irra garuu Minilik akka dhufeen Leelee kanneen gubee barbadeesse. Haa ta'u malee, namni Bakar Jiloo Fal'aanaa jedhamu, Leelee hin gubatin tokko dhoksaan fuudhee Moqodishoo geessuun, turtii dheeraa booda achii fuudhamee irra deebiin akka sirreeffame Abbaan Gadaa kun ni himu. Roobaa Buttaas barichuma barnoota Qaalluu Leelee jedhamu kana barate.

Sirna Minilik fi sanaan dura..... keessa naafxanyootni bara sanaa gogaa,dhadhaa, dammaa fi kkf Oromoota irraa bitataniitu kaan itti fayyadamanii, kaan immoo biyyoota alaa kanneen akka Ingiliiz fa'itti gurguratu ture. Oromootarraa Abooyyadee dhan bitu. Baalee keessatti hanga har'aa iddoon "Fasasaa" jedhamtee yaamamaa jirtu baricha Dhadhaan naafxanyootni Oromoota irraa bitatanii deeman mukaana baqaqfamee waan jigeef iddoo saniin Fasasaa jedhanii moggaasan ragaadha.

Haaluma kana keessa Minilik Oromoota tooftaa ittiin cabsu gaafa barbaadu, sababa kiristinnaa fakkeessuun ummata hedduu kiristinnaa kaasise. Kiristinnaa kanaanis fakkeessee meeshaa waraanaa ammayyaa Awurooppaa irraa kadhatee argateen Oromoota hedduu miidhaa tureera. Walloo, Raayyaa, Baabboo, Himanaa fi kkf , akka jalqabaatti cabse fakkeenya fudhachuun ni danda'ama. Waldayohaannis fi Gammachuun (2009:124-25) yoo ibsan,

Abbaan Daanyaw fardi weerara Minilik fuulasaa gara kibbaatti osoo hin deebifatin dura duulasaa isa jalqabaa bara 1968 tti Oromoota Walloo irratti adeemsisee ture. Lola kana akkuma duraan ilaallee turre karaa Manziidhaa ka'ee hamma Galaana Diimaatti adeemu banachuudhaaf, karaa kanaanis meeshaa waraanaa Awurooppaa irraa galfachuuf weerarri Minilik inni

jalqabaa Walloo irratti harkasaa ol fudhate. Weerara sana booda karaa amansiisaa (save way) galaana diimaadhaa ka'ee meeshaan waraanaa irra adeemee Shawaatti galu banate. Weerarri Wallootti eegale bara 1872 tti Himaanoos too'annoo jala galche. Yeroo sana booda Tuulamatti xiyyeeffate. Warri Goojjam ammoo Horroo Guduruutti duulan. Isaanis horii kotte duudaa fi qabeenya hammas hin jedhamne saaman. Biyya Itoophiyaa keessatti yeroo jalqabaatiif saamicha kan jalqaban Goojjamoota. Sana booda saamichi sun qindatee biyya Oromoo irratti jabaatee itti fufe. Qonnaan bultootni Goojjam saamicha isaanii kana ilaalchisanii akkas jedhanii weeddisan:

እነርፋላሁ ብሉ ጆሮ ትልቅል በሬ
ሮመን ገብቶ ታረ የጎጃም ገበሬ።

Hiiknisaa:

Sangaan fida jedhee gurrasaa urgufee
Qotee bulaan Goojjam coomaa guuree dhufe.

Hiikni jecha kanaa qonnaan bulaan Goojjam sangaa coomaa saamuuf biyyaa bahee laaqii coomman keessatti dhume jechuudha.

Dabalataanis mootoliin dur Oromoota kiristinnaa kaasanii ajjeesaa fi itti fayyadamaa akka turan Dirribiin (2017:80-81) yoo ibsu,

Dhalatoota Raayyaa keessaa Abbaa Boonaa Kube fi Tolaa Abbaa Marawa Yohaannis kiristinnaa kaase. Tolaa Abbaa Marawa Dajjaazmaach Dastaa moggaasee, yeroo duraatiif lafa Oromoo Raayyaa irra ummata Tigree qubachiisuu kan calqabe Atsee Yohaannis ture. Ergamaan mootii Yohaannis Daalchaa jedhamu, biyya Raayyaa keessatti nama hin beekamneen ajjeefamee ture. Yohaannis du'a ergamaa isaanii kanaan dheekkamanii, bulchaa naannoo sanii kan ture Oromoo Raayyaa Abbaa Boonaa Kubeetiin, dhimmaafin si barbaadaa Oromoota

naannoo kee jiran wal-gahii yaamtee dirree Ingoyee irratti akka wal geenyu jedhee itti erge. Abbaa Boonaa Kube, waamicha marii itti fakkaatee, shakkii tokko malee Oromoota hedduu waliin bakka beellamaa yommuu gahu, Yohaannis dursee itti qophaahee eeggataa waan tureef, battaluma Abbaa Boonaa Kube argetti godduun(seefiin), morma Abbaa Boonaa Kube kutee Oromoota isa waliin dhufan hundumaa fixaa jedhee ajaja dabarse. Ajaja kanaan namoota gootota beekamoo akka Arbisee Goljaa, Alii Haasee fi Sayid Yimriin dabalatee, Oromootni 3000 ajjeefaman. Gantummaa Atsee Yohaannis kana Oromoon Raayyaa, walaloo armaan gadiitiin dhalootaf dabarse

አትመነዉ ትግሬን ቢምል ቢዝት
ክርስትና እንስተዉ ኩቤን አረፉት

Kakatus maganamus hin amanin Tigree!
Kiristinnaa kaaseetu Kubeeyyuu gorra'ee

Mootiin habashaa Yohaannis 4ffaan jibba guddaa Oromoo irraa qabu. Dhaadannoon isaa "Oromoon haa badu! Bosonni haa dhiibamu!" jedha. Ummatni Tigraay, Laastaa, fi Yejjuu duulee, Raayyaa keessa qubatee, akka Oromoo Raayyaa fi Bosona Raayyaa balleessu labsii cimaa akka armaan gadiitti labsee ture; "Yeroon ani Zoobil(Raayyaa) Shor-qubachuuf duulu, nama ana biraa hafe, gadi jedhe, luka isaan ol jedhee morma isaan kuta!" kan jedhu ture.

Roobaa Buttaan gaafa naafxanyootni Oromoota kana..... Kiristinnaa kaafatan ittuma dhiise. Ammas lafa saamicha eegalan. "Nutti gurguraas" jechuu eegalan; safuu saalfii fakkeessuu fakkaatti. Kana booda Roobaa dubbiin lafa saamichaa fi nutti gurguraa, kan kiristinnaa kaafachuu tun garaa hanqachaa dhufte.

"Amma booda nu gahee jira; nu keessa hin deeminaa, gogaan,

dadhaan, dammi isin guurrattan isin gaha, sokkaa!” jedhee dubbii itti buuse gootichi Oromoo Arsii kun. Oromoota iddoo jiran maraa naafxanyootatti dammakse. Walloonis akka of keessaa ari’an taasisse. Baalee, Wallaggaa, Jimmaa, Harar... guutuu Oromiyaatti labse. Yaa ta’u malee, Minilik yeroo kana Goobanaatti gargaaramee Shawaa cabsee jira.

Bara 1870 keessa aangoon ajajaa waraanaa Goobanaaf kenname. Kanumaan Tuulama cabsee weerara eegale. Shallamaa (2011:291 maxxansa 4ffaa) Cheeruulee wabeeffachuun yoo ibsu,

Yaamicha Abbaa Gadaa Gullallee; Tufaa Munaatin waraanni Minilik saamichaa fi ajjeechaa qaqqabsiisuu danda’u injifannoon yeroodhaf qolatee hambise. Kunis akka lakkoofsa warra Awurooppaatti bara 1874-1875tti turuu danda’e. Haa ta’uutti akka lakk. warra Awurooppaatti bara 1878 Dajjaazmach Mashashaa Sayfuu dabalatanii gareen Minilik waan deebi’eef Gullallee too’achuu danda’an. Goobanaan ammoo garaAbbichuu fi Galaan akka lakk. warra Awurooppaatti bara 1876-1877tti duulee lafa weeraree bulchiinsa Minilikitti make. Barootuma kana jidduuttis ture Oromoo Salaalee kan too’ate. Bara 1882 akka lakk. Awurooppaatti gara Bachootti weeraruuf yaalii taasisus iddoo Waraagoo jedhamtutti injifatamus bifa haaraadhaan humnasaa cimsachuun tooricha too’ate.

Akkasuma Taabor (2010:471) yoo ibsu, “Waliigalteen sun waliigaltee Waadaraa jedhamuun beekama. A.L.A. waliigaltee Bitootessa 20, 1878 godhameetti mootiin moototaa deeggarsa mootiitiin bataskaanota ijaaruun Oromoo Islaamotaa gara amantii kiristaanaatti yoo jijjiiran bulchiinsi Walloo harki caalu mootii moototaaf kennama.”

Oromoo Arsii osoo hin cabsin dursa....., erga Roobaan dubbii itti kaasee booda naafxanyichi (Minilik) waraana hedduu leenjisee

qopheessuun Awaash gama ceesisee waraana 1000 Shaamaraa qubachiise. Xiyyeeffannoon isaanii guddaan Oromoota Arsii hunda osoo hin taane Roobaa keessaa dhabamsiisuudha. Roobaa yoo dhabamsiisne kaawwan salphaatti cabsina jedhanii waan amananiif. “Shaamaraa” jechuun “Shii Amaaraa” jechuudha. Yeroo ammaa godina Arsii, aanaa Shirkaa, ganda Leemmuu Gunaa keessatti argamuun maqaa waamamsaati. Halaqaan Shii Amaaraa kun mandaree jedhama. Dandeettii manneen namaarra deemee amansiisuu danda’uuf maqaan masoo moggaafameef jedhu Abbaan Gadaa aanaa Shirkaa.

Mandareen kun ummata keessa deemuun “Nutti bulaa, ammayyaa isin taasisna...., Roobaan isinii hin tolu.... isatti hin bulinaa” jedhee ololaan hawaasa mataa guutaa ture.

Akkasumas naafxanyaan iddoolee garagaraa Honqooloodhuma Waabee keessa iddoo “Goto” jedhamtu waraana 3000 qubsiise. Goto jechuun ammoo yeroo Roobaan Farda Algabaraan naafxanyoota ficcisiise, kan lubbuun hafte yoo watwaatan “Nafsi ye aallee igir gottitinnaa innishash” kan jedhurraa moggaafame. Aanaa Honqooloo Waabee, ganda Maccituu keessatti argama.

Saguree irratti waraana 500 ergamuun....., loowwan Oromootaa jalaa saamaa turan. Maqaan magaalaa Saguree jedhus barichuma “Sa’a guure” kan jedhurraa moggaafameef. Yeroo sagure irraa loowwan haleellatan kana namni Adii Huuqii jedhamu waraana minilik kana Xiyyaan waraane loon ofii isaarraa dhoorkee ari’e. Hawaasnis akkas jechuun gootummaa isaaf faarsan.

Loowwan Waayyuu abbaa dhabanii
Loowwan Maankulaa abbaa dhabanii
Loowwan Qooggoo abbaa dhabanii
Loowwan Waajii abbaa dhabanii
Ka Adicha Huuqii abbaa qabanii

Jechuun leellisaa turan. Shaamaraa, Gotoo fi Saguree qofa osoo hin taane...., waraanni kun Hurutaas dabalatee iddoo garagaraa hedduu qabatee ture. Maqaan Hurutaa jedhus kan moggaafameef, waraanni naafxanyichaa mana dubartii tokkoo seenee abbaa manaa ishee yoo dhabu, ishee reebbee "Abbaan manaa kee eessa jira himi" yeroo jedhuun, haati manaa "Inni hin jiru huura taa'a" kan jedhurraa jabanuma kana akka fudhatametuu himama.

Roobaanis haala kana yeroo argu Oromoota dachee hundarraa walitti yaasee "Walargii" irratti wal agarsiise. Lafti Walargii jedhamtu kunis, aanaa Honqooloo Waabee keessatti kan argamtu yoo ta'u, Roobaan iddoo sanatti Oromoota yaamee waan wal agarsiisee mari'achiiseef Walargii jedhamtee moggaafamtee hafte.

Walargii irratti Oromoota walitti qabee erga mariisisee booda, Torban tokkoof akkaataa Xiyyaa fi Farda Algabaraan diinota(naafxanyoota) fixan leenjise. "Farda Algabara" jechuun, Farda tasa yaaphatamee hin beekne, kan waanuma xinnoo dammaqu, kan onnee qabu quufaa jechuudha. Fardeen akkanaa kanneen walitti guursiseet, gogaa eegeetti hidhee Fardeen 100 erga tokko diinotatti gad dhiisa. Fardeen kunneen gogaa kana dammaqanii mukaa jirmatti bu'u.

Naafxanyoota kanneenis akkasitti irra deemanii fixu. Akka carraa waraana Farda Algabaraa kanneen jalaa miliqxee haftes, kanneen lafoo jiran xiyyaan/ gaalloon waraananii barbadeessu.

Roobaan godinaalee hedduu irra deemee Oromoota kakaasee Minilikiin lolaa ture. Garbummaa Minilik jalatti kufuu diddaaf Oromoota hedduu dadammaksee ofiisaaf qabsootti lixee diinota raase. Naannoo naannootti waraana qindeessee..... sochoosisa. Dooyyoo Tusee shirka irraa, Roobalee Kullaa Xareetaa irraa, Leenjiso Diigaa naannawa Itayyaa irraa, Hinseenee Hullufuu Qarsaa irraa

leenjisee waraana 1000 tokko tokko hooggansiise. Hinseenee Hullufuun minilik gabbaruu diduusaa itti qoosaa yoo sirbu akkas jedhaan ture.

Shaggar hin ba'u humnaafuu
Minilikiif hin sagadu dugdaafuu

Jedhuun akka sodaa isaa hin qabne itti hima. Minilik Oromoota haala salphaatti moo'uun akka hin danda'amne akkuma bareen humna waraanaa ammayyaa qawweewwan biyyoota alaa irraa galfachuun itti fayyadamaa tureera. Biyyoota akka Ingiliizii, Faransaay fi Israa'eel fa'itti sirriitti fayyadame. Isaanis qabeenya Oromoo irraa saameen fayyadee jira. Keessumattuu lafa babal'ifannaa fi amantaa kiristinnaa sababeeffachuun meeshaalee hedduu alarraa argateera. Leelisaa (2018:163) yoo ibsu,

Goototni Oromoo akkuma yeroo kaanitti minilik meeshaa waraanaa warra Adii irraa argateen Oromootti duulee qabachuuf bara 1870 hanga 1904 tti waraana warra Adiin leenjifameefi meeshaa waraana ammayyaa dura dhaabbachuun Oromoon lola itti fufee waraana minilik ofirraa qolachuu itti fufe. Haa ta'uu malee, lola cimaa fi wareegama hedduu booda bara 1872 Oromoon Tuulamaa booji'ame.

Akkasumas bara 1876 tti Oromoon Walloo, Arsii, Leeqaa fi Maccaa baha Minilikiin bara 1886 dhuunfachuun yaalullee goototni Oromoo garbummaa kana fudhatanii hin teenye. Oromoon Walloo gooticha Abbaa Waatoon durfamuun qabsoo itti fufe. Oromoon naannoo Tuulamaa ammoo gooticha Tufaa Munaatiin durfamuun wal gurmeessee qabsoo itti fufe.

Gara Kibbaatti babal'ifachuun Minilik Atsee Yohaannisitti yaaddoo galchuu hin hafne. Yohaannis humna waraanaa

cimaa qabaachuudhaan Minilik irra ni caala yoo ta'e iyyuu, Minilik biyyoota Kibbaa hedduu isaanii weeraree qabeenya uumamaa biyyoota sanaa erga kansaa godhatee booda Yohaannisiin kan hin sodaanne akka ta'e amansiisaa ture. Kanaafuu Minilik aangoo irraa buusuuf humna waraanaa utuu hin fayyadamin, tooftaa dhokataadhaan, karaa dubartii Baafaanaa jedhamtuu jal'ina adda addaa irratti hojjataa ture.

Minilik Oromoota Walloo irraa gara Shawaa handhuura Tuulamaatti dhufee...., Tufaa Munaa waliin wal'aansoo qabe. Tufaa Munaas diina hin gabbaru. Lafa keenya muree hin kennu. Dhaloota koo dabarsee naafxanyoota hin dhaalchisu jechuun Oromoota Fardaan lolchiise. Ofiisaafis waraanicharratti biyya abbaasaaf jedhee wareegame. Abeeben Tufaa yaaphataan Fardaa immoo haadha manaa isaa waliin ibiddaan gubaman. Shabbuu Ejersaa kan jedhamu ammoo miila, harka tokko tokkoon hanga du'utti...., mummuranii ajjeesan. Sooraa Loomee kan jedhamus, "Gibira hin kafalu jedhe" jedhanii qacceen hanga inni du'utti garafanii ajjeesan. Dabni Minilik Oromoota irratti hojjate himamee hin dhumu. Kanaaf ummata Oromoo garaan madaa'e. Gochaa isaatu xiqqaa fi kan dagatamu hin turre. Har'as tokko tokko "Ye Minilik Amlaak Yimmasgen" jettee diina akkas faarsiti.

Egaa kana booda Minilik meeshaa gahaa Awurooppaa irraa erga argatee booda iddoo garagaraatti namoota bituun duula isaa itti qajeelche. Wallagga irratti Abiisheen Garbaa lola isaanii yeroo shan cabsee erga moo'een booda, Adaal Tasammaa nama Qadiidaa Wannabee jedhamtu itti erguun araara fakkeessee galaafachiise. Shallamaa (2011:267-69 maxxansa 4ffaa) Ginbaar Nagaraa wabaeffachuun yoo ibsu,

Goojjamoonni Abiishee waraanan injifachuu waan dadhabaniif, tooftaadhaan qabuuf shira xaxan. Haala

kanaan, waliigaltee nagaa si wajjin uumuu barbaadna jechuudhan ergaa karaa nama Qadiidaa Wannabee jedhamuun dhaamsa itti ergan. Karaadhuma Qadiidaas kennaa beennacha Fardaa Warqiirraa hojjatame erganiif. Akkaataa kanaan Abiisheen Raas Darasuu wajjin walitti dhufee akka mari'atu haala mijeessan. Akka seera Oromoottis walii kakachuudhan waadaa nageenyaa kana Abiishee fi Goojjamoonni xumuran. Kakuun kan dhugaa akka hin taane abbootiin duulaa Oromoo akka Dabalaa Gannaa fi Dagaa Hooroo jedhaman itti himanillee Abiisheen isaan hin dhageenye. (Ginbaar Nagaraa)

Haala kanaan waliigaltee erga uumanii booda, Goojjamoonni laga Mormor ce'anii odoo Abiisheen hin beekin daangaa Guduruu fi Horroo gidduu jiru qaxxaamuranii loltuusaanii Goodaa Kokor kan teessuma Abiishee Dooyyorraa kiilomeetira 20 fagaatu qubachiisan.

Abiisheen erga kana dhagaheen booda loltuusaa kan lakkoofsaan kuma afur ta'an qabatee gara Goodaa Kokor deeme. Waliigaltee duraan waan qabaniif Abiisheen waraanaf hin deemne. Erga achi ga'ee booda akka seera Oromootti bakara qabatanii mana ol seenun safuu waan ta'eef Abiisheen meeshaasaa ala kaa'ee gara dunkaana Goojjamootaa mariif ol seene.

Goojjamoonnis dunkaana keessatti Abiishee qabanii gaadi'ani. Qabamuusaa ibsuufis dibbee yeroo rukutan loltoonni Abiishes waraana jalqaban. Warra Goojjamootaa rukutuu jalqaban. Garuu jarri duraan qophaa'anii waan turaniif loltoota Abiishee ni injifatan. Lola kanarratti abbaa duulaa Dabaloo Gannaa dabalatee loltoonni baay'een du'an. Obboleessa Abiisheemmoo qaamnisaa irraa murame. Duulli kun duula Goodaa Kokor jedhamee beekkama. (Ginbaar Nagaraa)

Duula Goodaa Kokor kan Guraandhala 13, 1877 Abiishee fi Raas Darasuu Abbaa Xooboo gidduutti godhame kanaan loltuun Abiishee injifatame. Abiisheen erga gaadi'amee booda deemuu waan dideef akka qotiyyootti harqoota itti godhanii harkisanii gara Goojjam geessan. Abiisheen is gowwomfamuuusaa erga baree booda aariidhaan quba harkasaa tokko alanfatee fixe jedhama. Erga Goojjam geessanii booda niitiin mootichaa goota loltuusaanii yeroo baay'ee injifate kana arguuf fidaa jettee fichisiiste. Abiisheen beelaa fi dararaa cimaan adabame. Niitiin mootichaas godummaasaa kanaan arrabsite. Kanaafis dubartoonni Horroo yeroo mammaakan

Godummaa keerra kan gowwummaakee
Siin jette niitiin Adaal Tasammaa

Sana booda, Abiisheen iddoo Jabalaa fi Maxaraa jedhamutti hidhame. Achitti, Goojjamoonni Abiishee mormaa gadi jiraa awwaalanii mataasaarratti soogidda firfirsan. Itti aansanii, fardeen erga itti gad lakkisanii; akkaataa suukaneessaa kanaan Abiisheen qorqamee du'e. Reefisaas Bataskaana Dabra Maarqoos keessa jirutti awwaallame jedhama.

Gaaffiin Oromoota har'aa baay'een isaa yeroo adda addaatti reeffi Abiishee Garbaa akka nuuf deebi'uudha.

Bara kana Arsiin abbaa duulaa Roobaa Buttaatiin qindeeffamee....., Leenjiso Diigaa waliin Minilik ofirraa dhoorkee ture. Shawaan harka Goobanaa Daacceen weeraramte. Wallaggi karaa Adaal Tasammaan cabe. Jimmis, Shanan Gibee keessaa Jimmaan alatti, lolee, waraane yeroo humni meeshaa ammayyaa itti cimee humna dhoorkatu kufaatii harka laate. Harargeen yeroo kana naannawa 1875 Gibxiin weeraramtee turte. Haa ta'u malee Gibxootni utubaa gad fageeffachuu waan hin dandeenyeef, bara 1885 guutumaan guututti Harargee gad lakkisan.

Yeroo kana Minilik waraana isaa..... Walda Gabri'el Abbaa Saayixaniin hoogganamu warra Ittuutti erguun lola irratti bane. Gama Oromootiin ammoo yeroo kana naannoo Asabootti waraanni abbaa duulaa Roobaan hoogganama. Waldayohaannis fi Gammachuu (2009:134-35) yoo ibsan,

Oromoonni naannoo Asaboot jiraatan immoo ajajaa Waraanaa Roobaa jedhamuun gaggeeffamuudhaan naannoo Bordoddeetti wal rukutan. Garuu hedduumina meeshaa waraanaa loltoota Minilik irraa kan ka'e injifatamanii duuba deebi'uuf dirqisiifaman. Haa ta'uu iyyuu malee naannoo Humbanaatti humna Oromootaa jabaa fi baay'ina loltoota Oromoo hedduu ture rukutanii weeraruun loltoota Minilikitti waan cimeef loltoonni sun injifatamanii baqatan. Taateen kunis Minilik Harargee weeraruuf qophii guddaa gochuu akka qabu isa barsiise. Yeroodhuma sanatti qophii gochuu jalqabe. Kana booda meeshaa waraanaa ammayyaawaa Awurooppaadhaa dhufe hidhachiisuudhaan loltoota lakkoofsi isaanii hedduu ta'e fudhatee, mooraalii loltoota sanaa baay'ee dadammaksuudhaan, ofii isaatis loltoota isaa waliin loluuf Harargeetti duule. Yeroo sana loltootni hedduun duulan saba nagaa, meeshaa waraanaa hin qabne rukutaa, mooraalii dammaqaa ta'een weerara gaggeessuu danda'an. Dura bara 1876 tti Walloo guutumaan guututti qabatee, bara 1881 tti immoo Arsii loluu jalqabe. Bara 1882 tti Leeqaa Naqamteetu injifatame. Baruma sana Guraagee fi Cabboon ni injifataman. Bara 1885 tti immoo Gumaa fi Ittuun hamma Asabootti ni qabaman.

Kana booda Minilik yeroo hedduu karaalee adda addaan Oromoo Arsii cabsuuf yaalus salphatee deebi'e. Bara 1873-1874 gara Lixaatiin seenee osoo hin milkaa'iin hafe. Bara 1880 yeroo waraanni Minilik daangaa Awaash ce'ee, Arsii waraanuf jedhu, ummatni Arsii akka salphaatti ilaalan. "Hattuu looniiti" jedhanii tuffatan. Kun immoo

isaan miidhe. Akka daangaa Awaash gad lakkisanii gara walakkaa lafaatti hiiqan ta'e. Haa ta'u malee, walakkaa warri jiran wal kakaasuun....., wal waamanii, Doddotaa, Dawwaaroo ciisa Mandhee godhachuun, Gaalloon, Xiloon, Eeboon waraananii ofirraa dachaasan. Bara 1982 akkuma Arsiitti duuleen salphoo soqolaa soqolatte ta'ee gale. Yeroo kana waraanni Oromoo Arsii abbaa duulaa Roobaan qindaa'ee Leenjisoos hoogganamu, Minilik injifachuun kophee, Nagariita, Goraadee fi qawwee hedduu irraa booji'an. Kunis Minilik Oromoota Arsiitti gadoo qabatee, xiqqiin akka duulu isa taasise.



Meeshaalee Minilik irraa Oromoota Arsiin booji'amee Godambaa Siidaa Aanoleetti argamu.

Roobaan kana booda cimee qabsoosaa qindeessuu itti fufe. "Maqaa baduu mannaa, mataan baduu wayya" jedhee mammaaka yeroo hunda. Kanaafis iddoo garagaraatti Oromoota tika dhaabee ijaajee jiraata.

Minilik Oromoota Arsii salphaatti bituun akka hin danda'amne erga hubatee booda tooftaa biroo uummate. Haadha manaasaa duraa kan baay'ee hin beekamne Baafaanaa fa'i waliin tooftaa jijjiiruu akka qabu mari'ate. Dubartii gosa Ayyuubaa taate...., Halkoo Miidaa kan jedhamtu tooftaan qabachuuf dirqame. Dubartiin kun Awaash gama ceetee naafxanyoota Minilikitti Tamboo fi kkf daldalti turte. Minilikis ishee qabatee "Lafa siif kennina, aangoo siif laanna, kiristinnaa si kaasnee si fuuna; atimmoo tooftaa Oromoo Arsii ittiin cabsinu qofa nutti himi" jedheen.

Isheenis, "Akkatti Oromoo Arsii ittiin cabsitan isinittan hima; garuu

lafuman mana irratti ijaarradhee Awaash gamatti itti galu naaf kennaa" jettee gaafatte. Naafxanyichis "Tole lafa siif laanna" erga jedheenii booda, Halkoon "Malan isiniif dhaha. Waraanni keessan xiqqaadha. Oromoo Arsii hin danda'u. Oromoon Arsii gootota hedduu qaba. Fardaan isinitti duulee isin fixa. Waraana keessan dabaladhaatii of cimsaa. Qawwee baay'ifadhaa. Kana erga gootanii booda, karaa Lixaan seenaatii iddoo Azuulee jedhamtu.... qabadhaa. Gamaa gamanni qileedha. Qileen kun karaa tokko qofaan ulaa qaba. Ulaa tana ammoo Fardi akka hin seenneef suqqaan cufaa" jettee mala dhooftef.

Dabalataanis namoota Oromoota Arsii biratti bebeekkamoo ta'an, kanneen waggaa 8 tin dura Abbaa Gadaa turan, yeroo sanatti Abbaa Gadaa kan hin taane, iccitiin barbaaddatan. Daangaan Oromoo Arsii waraanan cabuu dide kun karaa isaanin tooftaan akka cabuuf jechuudha. Kanaanis namoota akka, Tukee Maammaa, Miiloo Mamaa, Miiloo Baddaa, Turii Seenjaa, Mojoo Boxoroo, Kombollee Jaarraa, Daamuu Abbaa Bubbee, Buttaa Kolchee, Gadaa Jawwee, Dilbatoo Bultum kan jedhaman argate. Jarreen kanaan "Harma nu bulchaa; soddaa nuuf ta'aa," jedheen. Kun tooftaa diinni bobaa Oromoota jala seenee Oromoota ittiin cabsuudha. Oromoonni gara laafeyyii akka ta'an waan beekaniif kallattii kanaan milkaa'uu akka danda'an abdii godhatan. Tooftaan kun tooftaa yeroo baay'ee Oromootni ittiin kufaniidha. Alagaa fira fakkaatee dhufes, harma bulaaf; soddaa ta'ee ilmoo isaa kennaaf. Guddifachaa laata.

Namootni kunneenis isaan kaan itti soddoomatan. Isaan kaan harma bulchan. Isa barbaadu erga argatee booda naafxanyichi suutuma suutan as ba'uun, "Nuti biyya ammayyooftuu ijaaruuf sochii taasisaa jirra. Sirna bulchiinsa biyya ammayyaa ijaaruudhaaf deemnu kana keessatti aangoowwan bebbeekkamoo mataa isaanii danda'an, kan akka Dajjaasmaach, Qanyaasmaach, Fitawraarii, Giraasmaach gonfoodhaan tokkoon tokkoon keessaniif hirraa, nu gargaaraa"

jedhaniin. “Kun immoo kan ta’u, yoo haaldureewwan lama sirreessitaniidha: tokkoffaa, karaan daangaa Oromoo Arsii banaa ittiin ta’e, kan waraana isaaniin eegamaa hin jirre kami? Inni lammataa, haalli ooltee, bultee Oromoo Arsii maal fakkaata? Jireenya isaanii irratti odeeffannoo nuuf kennaa” jechuun amansiise.

Jarreen kunneeniis abjuu aangoo argachuun sammuun isaanii duudee jira waan ta’eef, karaan Hara Dambal/ Harri Ziwaay banaa akka ta’e itti himan. Naafxanyichi bulteen Oromoo Arsii maal akka fakkaatus sammu keessatti waraabbate. Kana booda kara agarsiistummaa nama Tukee Maammaa jedhamuun, waraanni Minilik Buufata Addee gad lakkisee, Hara Dambaliin seenee faallaa naanna’uun karaa Digaluu fi Xijoo fi Shirkaan seene. Haaluma ajaja Halkoo fi Tukee Maammaan Azuulee qabate.

Roobaa Buttaan dubbii kana dhagahe. Yeruma dhagahe irraa Oromoota Arsii Fardaan qindeessee, waraana fi Gaalloo isaa qabatee Azuuleetti duule. Waraanni Minilik yeroo kanaa Raas Alii Maareetiin hoogganama ture. Waraanni isaas akkuma ajajametti qilee keessa jira waan ta’eef, Oromootni Arsii waraanaf dhufan gubbaa isaanii marsuun, itti dhiichisan. Wal si’eessanii diina gombisuuf dhaadannoo gootummaa isaanii ittiin agarsiisan. Wal jalaa fuudhanii erga tokko jedhu. Girrisaa fi marsa guddaan.

Hoo Birbirsa Barkallee
Arsii maaliif dhuftee
Yoo Fardatti sin qallee

Ee lolee lolee
Dayyoo lola Fardaa
Goota jaarsaa
Goota faarsaa
Gaafa saadee
Gootni aadee

Dayyoo lola Fardaa

>>
>>
>>

Doorsisi hoo
Hoo hoyyoo

Si sobaa saafaya eegaa
Kan lugaa Billoofni qooqee
Garagalchaan kan galaanaa
Garagalchee si waraanaa
Si sobaa saafayaa eegaa
Haati cirfoo cirfa hin qabduu
Si sobaa saafaya eegaa

Cirfaan lugnaa huusa hin qabduu
Mukarraa duuganii hachee
Si sobaa saafaya eegaa
Lugnarraa fuudhanii wantee
Si sobaa saafaya eegaa.....

Jechaa marsanii fardaan yoo itti dhiichisan waraanni Minilik waan wallaalee, sodaan uffata ofirraa baasee harka Waaqatti ol qabee, “Isgoo abeet, isgoo abeet” jedhee watwaate.

Oromoon diina isaa harkaan qabate hin waraanu. Kan booji’e hin ajjeesu. Kan injifate irra aane jedhee mataarra hin taa’u. Itti mari’ata. Bulee bulfata. Uwwisee daara baasa. Nyaachisee obaasee qubsiisa. Kun aadaa Oromoota sirna Gadaati. Isaan tokko tokko garuu, diina isaanii qabnaan ni qalu. Harka, harma muru. Ni kolaasu. Ni fannisu. Itti taphatanii ajjeesu. Abiishee Garbaa, Agarii Tulluu, Taaddasaa Birruu fi goototni Oromoo biroo hedduun isaan itti taphatan kanaaf fakkeenya guddaadha. Kun hammeenya guddaadha. Garaagarummaan Oromoon warra akkasii waliin qabu guddaanis kana.

Yeroo isaan isgoo abeet.... jedhan kana Oromootni waraanaf dhaqan walitti lallabanii mari’atan. “Maarree nuti itti hin dhaqnee, ofi nutti dhufanii, amma isgoo jedhanii maal goonu?” waliin jedhan. Namni

tokko “Dursa mee waa gaafatna” jedhe. Gartuun tokko ammoo “Maarree diinatti koottu dhufee hin fudhatanii, nurraa ka’aa jedhaniin malee; nurraa ka’aa jennaan” jedhan. Nurraa ka’aatti walii galanii diintotaan “Nurraa ka’aa, ka’aa nurraa galaa” jedhanii itti lallaban. Waraanni naafxanyichaas “Maarree isinirraa kaanaa; isinirraa gallaa, guyyaa itti nuuf qabaa” jechuun Oromoon Arsii torbee tokko akka qabaniif taasifatan. “Torbee har’aa sa’aatii kana asitti akka hin mul’anne. Waan qabdan guurradhaa nurraa sokkaa” jedhanii beellama kennaniifi ofirra deebi’an Oromoonni Arsii.

Gidduu kanaan dubartittiin (Halkoon) waraana Minilik kanneen bira dhaqqee “Maali ni sodaattanii? Maaf itti hin dhukaasinaa? Oromoon waan halaalatti nama ajjeesu kana hin beeku. Osoo itti dhukaastanii ni baqata. Qawwee akkanaa kana arganii hin beekan. Fagootti maaf itti hin dhukaasinaa? Amma asii hin socho’inaa. Yoo isaan dacha’an halaalatti itti dhukaasaa” jechuun cimsitee akeekkachiiste.

Oromoonni Arsii akkuma beellama isaaniitti..., beellama isaanii kabajanii yeroon deebi’an. Dubbiin akka gaafa duraa miti. Garagaltoo taatee isaan eegde. Hoogganaan waraanicha naafxanyaa Alii Maaree Oromoota Arsii rasaasa tokkoon halaalatti namoota hedduu fixe. Waraanni Minilik achi qubate hunduu dhukaasa Oromoota irratti banan. Sababa meeshaa waraanaa ammayyaa kana hin qabneef warri Arsii baay’eetu miidhame. Isaan kaanis ni miliqan.

Alii Maaree isa kana kan arge kaayyoon isaa galma waan gaheefif Farda Boora gabaabduun keessa gad jedhee goraadeen qaluu eegale. Namoota danuu erga gorra’ee booda, namichi gaafa yoo jarri isgoo abeet jettu “Diina waa gaafanna” jedhe sun muka jalatti galee eeggachuun Alii Maaree osoo inni Oromoota Arsii asii fi achi ari’ee qaluu, muka jalaa itti ba’ee waraane ajjeese. Alii maaree gaaficha du’e. Fardi Boorris ni booji’ame. Duras kanuma Oromootaa ture fakkaata.

Erga gaafa sanaatii waraanni naafxanyichaa Raas Daargee itti aanaa Alii Maareen Arsiirratti duule. Alii Maaree gaafa du’u niitiin isaa akkas jettee boossef.

Alii Maaree (2)
Sumatu faxuule moo
Alii Maaree
Boorumatu siin guule moo
Alii Maaree
Arsiin dhibbillee dhumtu
Alii Maaree
Anii fi ati walii baanee.....

Jettee maratee abbaa manaashee ibsatte. Oromootni Arsii kumaatamni dhuman isaanif gammachuu guddaa ture. “Arsiin dhibbillee dhumtu” jechuun ishee Arsii dhibba caalaa, abbaa manaashee tokkicha caalsifachuushee agarsiisa. Dhiigni Oromootaas akkuma kan isaanii ture. Guyyaa kana Azuulee irratti Oromoota hedduutu du’e. Qabeenya hedduutu saamame. Guyyaa tokkotti namootni kumni kudha lama (12,000) ni dhuman..., Loowwan kumni afurtamaa (40,000) ol ni saamaman. Loowwan qofa osoo hin taane namootni hedduunis booji’amuuf dirqaman. Namootni kanneen akka hayyuu Siikkoo fi Mandoo Leenjiso Diigaa, Abbaa Duulaa Roobaa Buttaa, Badhaanee Shaagaa, Dassitaa Wadalee, Mokonnin Asfaa, Qoree, G/sillaasee Bogaa, Altaayyee Dooyyoo, Hayilee G/masqal, Hinseenee Hullufuu fi kkf hedduun isaanii ni booji’aman. Shallamaa (2011:258 maxxansa 4ffaa),

Oromoo Arsii weerara Minilik morman; hooggantummaan dursaa kan ture, Abbaa Duulaa Roobaa Daadhii ykn Buttaan dirree waraanaa Azuulee irratti moo’ame. “Boru Oromoon ofiin of bulchuuf baroota dheeraa itti hin fudhatu” jedhee nama amanaa ture. Waraanicha akka fiixan hin baasne ilaales milkiini fi injifannoon boru ilmaan Oromoo waliin akka ta’e dubbateera.

Dabalataanis Taabor Waamii (2010:502 maxxansa 4ffaa), Abbaas Hajjii wabeeffachuun yoo ibsu,

Oromoo Arsii kutannoodhaan kanneen hoogganan keessaa tokko kan ta'an Abbaa Duulaa Roobaa Daadhii/Buttaa lola Azuuleetti erga moo'amanii booda A.L.A bara 1900, Boorag D Bozaasiif, miseensa jila saayinsii Faransaayii naannichaa daaw'ateef aariidhaan: Har'a yeroon kan keenyaa miti. Lollee nyaapha hoollachiifnee akka nu hin dandeenye agarsiifnee jirra. Garuu yeroon ni dhufa. Guyyaan ijoolleen keenya diina daran waan qabatu, waan gad dhiisu wallaalchisanii baasan akka dhufu guutumaa guututti nan amana.

Roobaan erga booji'amee boodas harka isaanii gale jedhee, isaan hin gabbarre. Ni arrabsa ture. "Ani goota; ati lugna. Ati onnee hin qabdu; arraagessa. Qawween halaalatti nu rukuttee nu injifatte malee ati goota miti. Qawwee tee lafa kaa'ii fardaan ba'i mee si agarsiisaa," jechuun tuffii isaanif qabu ibsachaa gubatee waan ta'u wallaale.

Gootota kanneen ummatatu dirqisiifamee harka kennachiise. Itti laatanii garuu hin callisne. Raas Daargeen erga meeshaa waraanaa ammayyaan Azuulee irratti tooftaan injifatee booda goototaan harka kennadhaa jedhee dirqisiise. Ummataan hin dhiyeessitan taanaan waraana cimaatu deebi'a, jechuun sodaachise. Namootni hedduun harka naafxanyichaatti meeshaa waraanaa ammayyaan miidhamaniiru waan ta'eef, ni dirqaman. "Hoodhu ajjeesi! Wal agarraa! Isa ajjeestee wal irraa hin hafnu. Akkanumatti yaanee hanga Oromoon lafarraa duguugamee dhumutti sitti qabsoofna malee wal hin dhiisnu. Nama keenya tuqaatii wal ilaalla" jechuun dhaadatanii dirqamaan laatan. Naafxanyichis jara harka kennate kana hin tuqne.

Oromootni kunneen harka diinaa yaa galan malee, goototni Arsii biroo kan hin qabamin yeruma kanallee naafxanyicharraa ciisanii hin bulle. Warri harka hin kennatin hafan mukuma jala taa'anii karaarratti

xiyyoo itti gad lakkisanii naafxanyoota fixaa turan. Kanneen akka Qeerroo Nageessoo, Muhaammad Jaarraa, Waaqoo Bantaa, Dooyyoo Tusee, Ismoo Horoo fi kkf harka kennachuu didanii hanga waggaa lamaa ittiin taphachaa turan. Dooyyoo Badhaasoos goota Aanolee 2ffaa naannoo Gaadoo Gunaatti naafxanyichi akka Oromoota harka hin murre taasiseedha. Leenjiso Diigaa ammoo Farda Minilik baay'ee jaallatu jalatti waraane ajjeesee, Minilik dheechee bahe. Dabalataaf Kitaaba Shallamaa Kabbee maxxansa 4ffaa, fuula 255 ilaalaa.

Roobaa Buttaa erga booji'amee booda aadee, baroodde gubachaa ture. Meeshaa ammayyaa dhabuun kufuu isaaf boo'ee mankaraare. Waldayohaannis fi Gammachuu, (2009:142)

Yeroo kana abbaan duulaa uummata Arsii Roobaa Daadhii akkas jedhee mararamee boo'aa ture: har'a yeroon kan keenya miti. Lollee diina barbadeessinee akka isaan hin sodaanne argisiifnee turre. Garuu yeroon ni dhufa. Gaaf tokko ijoolleen keenya guutumaan guututti weerartoota biyya keenya keessaa barbadeessanii akka bilisooman ni amanna...jedhe.

Roobaa arrabni isaa baay'ee gurraacha waan ta'eef...., 'abaaru ennasuma balleessa; eebbisus ennasuma tolcha' jedhamee amanama jedhu maanguddootni Arsii.

Oromootni Arsii akka inni oofkalchuuf alangee fi waraana lafa kaa'anii kadhatu.

Gurraacha gurraacha
Gurraa Uumaa Waaqaa
Abbaa kiyya (2)
Geettii nu oofkalchi

Jedhanii Roobaa kadhatanii yoo inni oofkalche waan kadhatan sana ni milkaa'u.



Erga Oromoota Arsii Azuulee irratti cabsee qe'ee keessa deddeemee baree turtii booda naafxanyichi yeroo dhumaatif bulchiinsi sirna Gadaa dhaabbatee, Oromoon Arsii sirna bulchiinsa mootitiin buluu fudhatee akka itti fufu sagantaa baafate.

Tokkoon tokkoon miseensa hoomaa waraana mootii Minilikiin hoogganamu, akkasumas Raas Daargeen hoogganaman mallattoo waliigaltee tarkaanfii Aanolee irratti fudhatamuuf akka hin mormine mallatteessise. Iddoo "Ligaabaa" jedhamutti jechuudha.

Kana erga xumuranii booda Oromoota Arsii maraaf yaamicha taasisan. "Gadaan Roobalee aangoo xumuratee, yeroon Birmajiif dabarsu geessee koottaa" jedhee yaamicha dharaa dhiyeesse. Dhuguma barichi bara Roobaleen aangoo Birmajiif dabarsu ture. Oromoon Arsiis daa'ima kaasee hanga jaarsaatti "Dhuguma Roobaleen aangoo xumuratee Birmajiif dabarsa" jedhanii shakkii tokko malee yaa'anii Aanolee dhaqan.

Yeroo isaan achi gahan dubbiin akka isaan yaadan miti. Waan biraatu ta'uuf deema. Erga Oromootni Arsii hunduu wal ga'uu hubatanii booda, waraanni naafxanyichaa 4000 ol ta'u marsee qabate. Kana booda ummatni Aanoleetti walgahe kun filannoo lama keessaa tokko akka filatu dirqisiifame.

- ✦ Lubaan/ Gadaan buluu fi
- ✦ Qubaan buluu

Kan jedhu ture filannoon lamaan kenname. Qubaan bulla jechuun sirna mootichi diriirsaa jiruudha. Lubaan bulla jechuun sirnuma Gadaa Oromoon dura ittiin bulaa ture jechuudha. Kana booda Oromootni Arsii filannoo "Lubaan bulla" jedhu filatan. Kana kan isaan jechisiise ollaan isaanii Shawaan Awaash gamni too'annaa ilmaan Tuulamaa jalaa bahee 'waantaa ebeluu...waantaa ebeluu...' jechuun diinotaan qabamee, warri kaleessa abbaa qabeenyaa turan saamamanii, Oromootni Shawaa hojjattoota naafxanyaa ta'anii jiraachuu isaaniti.

Raas Daargeen akkuma loltoota isaa dura hubachiise warra "Lubaan bulla" jedhan akkaataa aangoo isaanii Oromoota keessatti qabaniin, kaan harka mirgaa, kaan harka bitaa mursiise. Dubartii "Siingeen bulla" jettes harma mirgaa fi bitaa irraa mursiise.

"Bara 1886 Raas Daargeen Oromoota Arsii Aanoleetti harkaa fi harma mure. Haa ta'u malee, Arsii cabsee qabachuudhaaf marsaa 6 waraana fooyya'e, kan itti bobbaase ta'us, dursaan Arsii Roobaan Minilik qaanessee ture." (Tulluu, 2013)

Kan hin dagatamne hammeenyummaa cimaa sirna Minilik kan agarsiisu, harkaa fi harma murame gateettiitti baachisee harbuu naannawa san jirutti fannisiise. Harbuun kun hanga har'aattillee jira. Seera muraa kana keessatti, "Harka lama muri..., harka tokko kan mirgaa..., bitaa, harma lama muri..." kan jedhu barreeffama afaan isaa hin beekamneen uffata Oromootaa kanarratti barreeffame. Namichi muru, dubbisuma kana uffata isaarra ilaalee akka ajajichaatti mure.

Iyyii fi oo'i namoota harkaa fi harma muramanii isa gubbaa jirutti akka hin dhagahamneef dibbeen/ Nagariitni iddoo Afurii sagalee guddaan gubbaarraa rukutamaa ture.

Namootni 9000 ol ta'an guyyaa kana dhumanii achumatti iddoo tokkotti awwaalamana. Bakka tokkotti dubartii fi dhiiras walitti qabanii biyyee irra deebisan. Awwaalchi kun "Awwaala Darbaa" jedhame. Akka aadaa Oromoo Arsii seera awwaalchaa waan hin guunnef awwaalcha Darbaa jedhama. Yeroo ammaa iddoo gochi kun itti raawwatame, Aanooleeti siidaan ijaaramee jira. Innis kutaalee seenaa gara garaa qaba. Ijaaramuun siidaa kanaas sanyiiwwan Minilik baay'ee quuqe. Irra darbees hanga yaa diigamu jechuutti isaan geessise. Oromoonnis "Isintu nuuf beeka osoo hin taane, nutu ofiif beeka" jechuun deebisaniif.

Minilik sana booda Oromoota Arsii irratti labsii baase. Oromootni Arsii lafatti akka hin fayyadamne, miilan akka keessa hin deemne, loon akka mooraa hin yaane, namni du'e akka hin awwaalamne, waa hundi harkasaa akka ta'e beeksise. Qabeenyuma isaanii irraa dhoorkaman. Baroota dheeraa Oromootni qabeenyuma fi dachee isaanii namaaf miti bineensaafuu jeennata taate, kanaaf mootolii habashootaa garagaraan daakamanii jiru. Waldayohaanniis fi Gammachuu (2009:113-14) Waa'ee qabeenyuma Oromoo saamamuu kana Weennii waliin walbira qabanii yoo ibsan,

Weenniin uumamumaan nama wajjin diinummaa hin qabu. Bakka uumamaan kennameef akka jiraatuuf, kennameef jiraachuu malee hammina nama irratti yaadee hin beeku. Uumamnis amala hamminaa kana hin kennineef. Namni garuu rifeensa isaa isa bareedaa sanaaf jedhee isa barbaada. Yoo Weenniin kun gara warra isa barbaadanii hin dhufu ta'e iyyuu, namoonni isa barbaadan kunneen garasaa dhufaniiru. Yeroo kana gara bakka jireenyasaa, gara iddoo uumamni isaaf kennee dhufanii ajjeesu. Bu'aa mataasaaniif jedhanii isa ajjeesu. Miidhaginaa fi hawwaannaa uumamni isaaf kennee jedhee lubbuudhaan iyyuu jiraachuu dadhabe. Du'a afaan bu'e, kaanis du'a ofirratti eeggachaa jireenya garbummaa jiraate.

Saba Oromoos weerara Absiiniyaaf kan saaxile qabeenya isaati. Teessumaa fi miidhagina biyya isaa fi albuuda lafichaatu weerartoota irratti kaase. Yommuu mootonni Absiiniyaa qabeenya Oromoo harka keessa galfachuuf weerara banan namoota miliyoonan lakkaa'amantu dhume.

Egaa labsii Minilik kana booda, Oromootni Arsii loon gara itti bobbaasan dhabanii horiin guyyaa 3 moonaa oole. Jireenya Arsii irra caalaan loonin waan ta'eef, loon irratti obsa hin qaban. Yeroo kana marartee isaanif qaban akkasiin ibsatan.

Yaa saayya hoo
Saayya hoo
Akkam wayyaa
Yaa garaa aayyaa hoo
Ol bobbaasu lafti teennaa mitii
Gad bobbaasu lafti teennaa mitii
Waan Rabbi nuuf ta'u beennaa mitii

Jechuun loowwanii fi jireenya isaanii keessaa dhiibamanii hurufatti hafan sanaaf mararfatu. Bara kana rakkoolee hedduufis saaxilaman. Baay'inni namootaa fi qabeenyaas baay'ee hir'ate. Bulteen isaan dura ittiin beekamanii fi inni yeroo kanaa faallaa walii ta'e. Warri guddaan, aannaan, garbuu fi qamadiin quufa buulan dacheen isaanii ontee agabuu buluu eegalan. Jireenya ummata Arsii guutumatti jijjiirrame. Waldayohaannis fi Gammachuu (2009:142) Silaaviyaak wabeeffachuun yoo ibsan,

Weerara sana booda jireenya Arsii guutumaa guututti jijjiirramee ture. Taajjabdoonni hedduun duraan biyyicha kan beekan, jijjiirrama amma dhufe waliin wal bira qabuudhaan yaada kennanii turan. Isaan keessaa lammiin Faransaay Maarshaal Silaaviyaak, barreessaa seenaa fi kara- adeemaa kan ture, bara 1901 tti jijjiirrama biyyicha irratti dhufe yommuu ibsu akkas jedhe: Baay'inni ummata biyyichaa baay'ee xiqqaate. Manni namoota hedduus gubatee badeera. Lafti qonnaa hedduun amma bosona

uffatee jira. Bineensonni bosonaas laficha irraa baay'inaan ni mul'atu. Haalli jiru hundumtuu kan baay'ee nama gaddisiisudha.

Akkasuma ammas Waldayohaannis fi Gammachuun (2009:143) barreessaa Awurooppaa 'Ismiiz' wabeeffachuun yoo ibsan,

Barreessaan Awurooppaa kan biraan kan maqaan isaa Ismiiz jedhamu, Arsiin Absiiniyaa jalatti kuftee waggaa kudhan booda, kana jechuun bara 1896 tti haala jireenya uummata Arsii ilaalchisee akkas jechuudhaan barreesse:

Namoonni gootummaa fi fedhii lolaatiin guutamanii lafa raasaa turan har'a eessa jiru? Dhugumaan biyya sana keessa gootota akka sanaatu ture jedhanii dubbachuun ni danda'amaa? Har'a garuu uummanni biyyichaa (Oromoon Arsii) jireenya gidiraa tasumaa yaadamuu hin dandeenye keessatti kufee argina. Waggoota muraasa dura sanyii dhala namaa attamii akka turan, seenaa fi simboo isaanii jajachuuf attamitti akka ija babaasaa turan ni yaadatama. Yommuu ajajni isaanitti ba'u haala har'a keessa jiran yeroo gabaabaadhaaf ni irraanfatu turan. Amma gaallonni Arsii jiraatan akka garbaatti lakkaa'amanii gabaatti illee baafamanii gurguramaa jiru.

Naafxanyichi haala suukaneessaa akkanaa Oromootatti taphatee jireenya isaanii dukkaneesse. Warri guddaan Sirna Gadaa (Dimokiraasii) addunyaaf madda ta'an akkanaa cunqurfaman. Oromootni Arsii kana booda yeroo rakkatan..., nama bakka buufachuun Minilikitti erguuf dirqaman. Waa'ee lafa isaanii fi loowwan isaanii gaafatan. Minilikis "Lafa Masaafintii fi Mokaanintii irraa bitadhaa" jedhee deebise. Lafuma isaanii deebisanii bitatu. Magan! Masaafintii jechuun eessumman niitii isaati. Mokaanintii jechuun ammoo eessumman isaati.

Kanumaan Oromootni Arsii muraasni gaafa loowwan dhumuuf ka'an jaalala isaaniif jecha "Ni bitanna" jedhan. Muraasni isaanii ammoo

"Hin bitannu" jedhan. Loowwan warra lafa hin bitatiniis kaloo warra lafa bitatee seenuun Oromootumti lamaan walitti bu'uun dugdaa fi garaa walitti ta'uu eegalan. Warri dur marga walitti qusannaa hin beekne, loowwan isaanii urufa bal'ifatanii dheedan har'a hidhaa ta'e.

Kun tooftaadhuma ykn kaayyoodhuma Minilik Oromootuma walitti buusee ittiin bulchaa tureedha. Tooftaan kun isa biratti baay'ee beekama. Yeroo Tuulama cabse, Oromoo Galaan fi Abbichuu walitti naquun haala ittiin harkatti galfatu salphifachuun isaa ragaa biraati. Tooftaa fi gorsa kana irra caalaatti kan argate, mootii Israa'eel barichaa irraa ta'uutu himama.

Loowwan kaloo /marga/ yoo seenanis gatii marga dheedamee loonuma walirraa kaffalachuu eegalan. Waan Arsii bira hin jirretu ta'aa adeeme miidhaa sirnichaana. Margaaf loon walirraa kaffalachuu miti, loon isa tokkoo beela'ee yoo arge, Oromoon Arsii fuudhee marga ofii tiksa. Lafa Minilikiin too'atame kana miilumaanillee namni keessa yoo darbe qarshii guddaa adabama.

Oromootni Arsii warri lafa Mesaafintii fi Mokaanintii irraa osoo hin bitatin hafan, Loon isaanii marga namaa seenee rakkatan. Akkas jechuunis rakkoo isaanii ibsatan.

Ol bobbaasu xibbiqii hin hanqatuu
Gad bobbaasu xibbiqii hin hanqatuu
Diinni waantaa mure yaa rakkatuu

Yoo zar jedhee xibbiqii dheedu hoo
Ni mar'ata dhokfatee hin beeku hoo
Diinni waantaa mure yaa deegu hoo

Jechuun gubataa fi marartee keessa isaanii ibsatu. Haala kanaan Oromootni Arsii osoo rakkatan naafxanyichi Minilik gara yabala isaa

qajeelee Lij Iyyaasuun 1906 waggaa sadiif..... aangootti ol ba'e. Lij Iyyaasuun yeroo kana akka dhufeen lafa Oromoo Minilikiin saamame Oromootaf deebisee ture. Oromootni Arsiis yeroo kana akkas jechuun Minilik arrabsanii Iyyaasuu faarsan.

Yaa saayya hoo saayya hoo
Iyyaasuun galee
Dheedi naasuu malee

Iyyaasiyyoon Farda magaala bitee
Minilik tortortittii
Bada shaaqixxii akka madaala citee

Jechuun keessa isaanii ibsatan. Shaaqixxii jechuun of jaalachuudha. Minilik ibsuuf kan fayyadamaniidha.

Waraanni dadhabbii Minilik Oromoota Arsiirratti yeroo ja'aa ol duule, kun marrisaa gama Arsiitii Abbaa Duulaa Roobaa Buttaa /Gooroo Bubbee/ fi Leenjisoo Diigaan hoogganamaa ture. Roobaan waggoota hedduu Oromootaaf naannoo gara naannoo deemuun, Minilikiin falmee boodarra humna meeshaa ammayyaan Azuulee irratti booji'ame yookiin injifatame. Ta'us gootota hedduu horatee, gootummaa Oromootaa itti agarsiisee jira.

Akka Abbaan Gadaa aanaa Shirkaa obbo Huseen Maammee jedhanitti Roobaa Buttaan ergasii as jireenya isaanii gaggeessaa umrii hedduu erga turanii booda, boqotan jedhu. Yeroo ammaas awwaalchi isaanii bifa dhagaan irra tuulameen godina Arsii, aanaa Shirkaa, ganda Miitana Hindheessaa, gooxii Shakkee iddoo jedhamutti argama.

3. Eebbisaa Addunyaa /Amiin/ (1962-1988)



"Namni seenaasaa hin beekne, bishaan gabateerraati; gara argetti jallata"

Eebbisaa Addunyaa abbaasaa obbo Addunyaa Jaallataa fi haadhasaa aadde Sannaayee Kabbadaa irraa Bitootessa 10, bara 1962 godina Qeellam Wallaggaa, magaalaa Dambi Doolloo ganda 06 tti dhalate. Maatiisaaf ilma hangafaa yoo ta'u.....,obboleewwan dhiiraa 2,

Moosisaa/Ashannaafii/, Mul'ataa/Taammiraat/ fi dubara 3, Kiytaa /Tigist/, Ilillii fi Daangaa akkasumas, obboleewwan Harmeen Mucee guddifatan Arjumaasaa fi Lalisee jedhaman qaba.

Eebbisaan umriidhuma isaa daa'imummaatti mucaa beekaa, mucaa qabbanaa'aa, amala qabeessa, mucaa alaafis manaafis abboomamu, xiqqaa fi guddaan kan jaallatamu ture. Sammuu nama guddaatu irraa dubbata. Kallattii nagaa fi jaalalaan itti dhaqnaan eenyuuf iyyuu ajajama. Maanguddoos ta'ee, dargaggeessi yoo ergatan....., ennasuma asii fi achi fiigee dhimma ergameef xumura. Karaa xiiqiin qabnaan garuu morma isaatu cita. Kana malees.... tapha kubbaa taphachuun ammoo hanga magaalaa Dambi Doolloo bakka bu'uuttilllee gaheera. Walumaagalatti "Eebbisaan mucaa kennaa addaa qabuudha. Kanaafis mukaa fi baalatu isa jaallata," jedha obboleessi isaa Ashannaafiin.

Amala isaa gaarummaa kanarraa kan ka'e, hawaasni naannoo isaa jiraatu hundi "Mucee" jedhanii maqaa Masoo moggaasaniifii ittiin waamu. Kan Eebbisa qofa osoo hin taane.....,kan haadha isaas jijjiiranii "Harmee Mucee" jedhanii moggaasaniif. Har'a kanallee magaalaa D/doolloo keessa ijatanii "Mana Harmee Mucee na geessaa" yoo jedhan namni ijaan hin arginellee fuudhee mana haadha Eebbisa nama geessa.

Harmee Mucee

Isaan hedduu turan, ati garuu tokkoo
Weellisteef malee, jettee magaallee koo
Jaalala lallabuun, mee maal qaba rakkoo
Har'as hiikaa jira, Oromoon hiibboo kee

*** **

Dubbii bilisummaa, faarsa Gitaarri kee
Guyyaanis daddarbee, fakkaates kan turu

Sanyii ta'uu malee, tortoruun hin jiru
Sanyii filatamaa, ta'ee siif faca'ee
Ilma keetti booni, koori Harmee Mucee /2/

Eebbisa Addunyaa yeroo umriinsaa barnootaf gahu M/B "Oliiqaa Dingil" galuun kutaa 1-8 titti barate. Kutaa 9-12 ammoo Qeellam Sadarkaa 2ffaatti xumure. Barnoota isaatti baay'ee cimaa fi uumamumaan nama kennaa addaa qabu ture. Ilmaan Oromoof quuqamuu fi cunqursaa isaanii arguu jibbuun ammoo akka waan waliin dhalateeti.

Afaan Oromoo afaan isaa guddatee....., ittiin baratamee sadarkaa har'a irra jiru kana caalaa akka fagaatuuf kaayyoon hojjachuun isaa iccitii seenaa Eebbisa keessatti galmee seenaati. Barattoota fi ilmaan Oromoo kudhanis, dhibbas, kumas, hanga arge muka jalattis yaa ta'u, mana barumsaatti walitti qabuun "Qubee Afaan Oromoo" barsiisaa ture.

Hojii Eebbisa kana kan argan ilmaan Oromoo magaalaa Dambi Doolloo eenyummaan isaanii kan keessatti biqile gara isaa imaluun eenyummaa isaani fi Qubee Afaan Oromoo Eebbisa irraa barachuu jalqaban. Baay'inni isaanis dabalaa adeeme. Gochaan gooticha kanaa wayyaanee garaa guggube. Baricha Ummatni Oromoo "Qubee Afaan Oromoon barannaa" fi "hin barattaniin" diina waliin falmii guddaa ture. Gochaan Eebbisa kun ammoo daandii diinummaa wayyaanee ta'uuf karaa irra hin imalchiisin hin hafne.

Bara Dargiin kufee wayyaaneen aangoo qabattu, kana (1983) Eebbisaan qormaata biyyoolessaa /Seensa Yuunivaarsitii/ kutaa 12ffaa fudhate. Qormaata kana akka fudhateen bariisaa Qubee barsiisuu jalqabe. Gidduudhuma kanaan magaalaa Eebbisaan keessa jiraatu, Dambi Doolloo, keessatti ABO, n buufata waraanaa guddaa dhaabbate.

Yeroo kana Eebbisaan haalli jireenya ummata Oromoo gabrummaa cimaa ta'uusaa waan hubateef, ummata kanaaf qabsaa'ee bilisa baasuuf, firii qormaata biyyoolessa isaa eeggachuu dhiisee ABO tti dabalame. Dhaaba kana keessattis yeroo jalqabaa barnoota seenaa baratee dabballummaan leenji'e.

Barnoota seenaa fi leenjii dabballummaa ABO, kana erga xumuree booda Eebbisaan ramaddiidhaan gara Asoosaatti "Qubee barsiisuu" fi tuullaa shiraa ummata Oromoorra jiru ummatatti labsuu irratti xiyyeeffate.

Ergama isaa guddaa gara Asoosaa imaleefis ba'achaa erga turee booda, ammoo gara magaalaa Finfinneetti imale. Sibiilli ilma Oromoo Eebbisaan Finfinnee erga adeemee boodas gad hin teenye. Giimii Xiiqqii of keessatti bobeessaa..... sabasaa cunqursaa jalaa baasuuf gara *Bosona Booranaatti* imaluun qabsotti bobba'e. Boorana guutuu waliin gahe. Mooyyaalee, Areeroo, Solooloo fa'i keessa turuun iccitii qabsoo diimessaa ture. Boorana qofa osoo hin taane, iddoolee gara garaa kanneen akka Walloo fa'ittis bobba'uun qabsoo hadhaawaa gaggeesse.

Jiruu qabsoo bosonaa kana keessattis yeroo baay'ee rakkoo adda addaa argeera. Bosona Jijjigaa keessa yeroo turetti waan sooratu dhabee guyyaa 5 niif biyyee siphatee jiraate. Yeroo sadiif harka wayyaanetti kufee mana hidhaa keessatti dararaa cimaa arge. Yeroo bosona Booranaa turetti ammoo, daangaa /boundary/ Keeniyaa irratti qabamuun mana hidhaatti darbatamee yeroo dararamu, jaalleewwan isaa hedduun ammoo biraa wareegamaniiru. Achittis Weellisaa Biqilaa Guyyootaa waliin wal baruuf carroome.

Biqilaa Guyyootaa aartistii beekamaa hiriya Eebbisaa umrii hedduu waliin jiraatanii fi mana tokko galaa turaniidha. Biqilaan yeroo baay'ee Gitaaran kan taphatu yoo ta'u, weelluun inni irra caalaatti ittiin beekamu sirba Booranaa "Amma hoollee" jedhuuni. Yeroo ammaa

Biyya Ameerikaa jiraata.

Eebbisaa Addunyaa Booranaa akka deebi'een gara Gullallee qajeele. Gullalleettis dhaaba ABO humna jabaan dhaabbatee jirutti makame. Obbo Leencoo Lataa fa'is "Baga dhufte. Anaa dhufu" jechuun simatanii, "Amma jireenyi fi qabsoon bosonaa si gahaa hawwisoo deeggarii, hawwisoo tajaajilaa taa'i" jedhaniin. Haaluma kanaan Eebbisaan taa'ee osoo weelluu isaa shaakaluu fi iddoo adda addaatti socha'uun sirba warraaqsan ummata sochoosu Obbo Leencoon fa'i gara biyya ambaa godaanan. Eebbisaan garuu biyyuma keessatti hafe. Warri wayyaanees, "Mallatteessii, hojii siyaasaa fi qabsoo Oromoo hin hojjadhu jedhii gali" jedhaniinii turan. Inni garuu "Lubbuun koo hanga ba'utti kaayyoo koo hin sharafu, bosona koottin deebi'a malee" jedhee dide.

Akka harmeen Eebbisaa aadde Sannaayeen jettetti gidduu sana Dambi-Doolloo harmee isaa bira bu'uun iccitiisaa fi kaayyoo garaa isaa hunda itti himatee ture. "Hanga Gimbiitti na gaggeessi.....Finfinnee deemeen yoo naaf mijate kaasettii baafadhaa....., yoo didame ammoo kaayyoo kiyya duubatti hin deebisu bosonattin deebi'a' naan jedheen hanga Gimbiitti gaggeessee..... ija haadhummaan qalbiin na rarra'ee of duubatti ilaalaa sokke" jetti. Yeroo kana akka harmeen isaa jettutti namuma Eebbisaan barsiisaa turetu OPDO hamtuu barichaa ta'ee ajjeesuuf duukaa fiigaa ture.

Eebbisaan gara Gimbii erga imalee booda hiriyoota isaa waliin xurree qabsoo mijeessaa, sirba isaa shaakalaa ture. Baatii tokko booda gara Finfinneetti deebi'uun hiriyootasaa kanneen akka Hirphaa Gaanfuree, Daawwitee Mokonnin, Daagim Mokonnin, Haabtaamuu Lamuu, Muktaar Usmaan, Gabii Ida'oo, Geetuu Lammii, Biqilaa Guyyootaa, Tottobaa Taaddasaa, Tsaggaayee Dandanaa fi kkf hedduu waliin wal arguun hojii aartistii fi karaa Afaan Oromoo ittiin guddisan irratti

olaantummaan cichanii hojjachaa turan. Akka obboleessi Eebbisa, Taammiraat /Mul'ataan/ himutti "Baandii Gadaa" yeroo kana hundeessanii sagantaan isaatuu hanga booda siyaasa gaggeessa jedhamuun cufamutti (ETV) n darbaa ture.

Eebbisaan dandeettii waraanaa qofa osoo hin taane, dandeettiin sirbaa inni qabus adda ture. Sirba qofas osoo hin taane meeshaalee muuziqaa garagaraas taphata. Gitaarri isaa ammoo harka isaa irraa hin bu'u. Biqilaa Guyyootaa waliin dabaree wal jijjiiraa ittiin taphatu. Eebbisaan sagaleen yoo sirbu, Biqilaan Gitaara rukutaaf. Biqilaan ammoo yoo sirbu Eebbisaatu rukutaaf.

Eebbisaan bara 1983-1984 kana yeroo socho'u, Oromiyaa keessa naannoolee adda addaa (Kibba, Kibba Lixaa, gidduu galeessa Dhihaa)tti weellisuun sirboota isaatiin hachuucmaa ilmaan Oromoorra gahu ifatti baasuun daandii Oromoon mirgasaa ittiin gaafatuu fi falmatus agarsiisaa ture. Sirbootni isaa sirba aadaa fi warraaqsa (revolution) yoo ta'an, irra caalaatti kan qabsoof ummata Oromoo diinarratti kakaasee shira diinaatti gufuu ta'eedha.

Gimbiidhaa gara Finfinnee imalee yeroo hiriyootasaa waliin sirba shaakalan kana Eebbisaan wayyaanotaan baay'ee barbaadama ture. Ta'us kaayyoo koo diinaf jedhee hin dhiisu jechuun gara Gimbiitti deebi'uun, bara 1985 kaassetta jalqabaa isaa mana Muuziqaa Sinqinashitti maxxansiifate. Barri kun bara Qubeen Afaan Oromoo hin baratamuu fi ni baratamaa wayyaanee fi ummatni Oromoo wal'aansoo wal qaban waan ta'eef..... Eebbisaan kaassetta isaa jalqabaa kanarratti xiyyeeffannaa guddaan "Qubee Afaan Oromoo" ture.

Ummata Oromoo fi Afaan Oromoof quuqamaa ta'uusaa, onnee isaarraa of kennee ummata kana tajaajiluu isaa irra caalaatti kan ibsu isa kana ture. Ummatni Oromoo, Qubee Afaan Oromoo kana baruu

akka hin rakkanneef jedhee Qubee "A-Z" tti jiran bifa faaruun kaassetta isaa keessatti maxxanse. "Qubee yaa Barannu" jedhees labse.

Kaassetta kana Gimbiitti maxxansiifatée erga gabaarra ooleefii booda gara Finfinneetti ol deebi'e. Haa ta'u malee, Eebbisaan kaassetta 1ffaa isaa kanatti gammadaa hin turre. Qulqullinni sagalee /quality/ n isaa hanqina waan qabuuf "Baay'ee naaf hin milkooofne" jechuun ofitti gadde. Kaassetta kana baafatee amma gara Finfinneetti erga ol deebi'ee booda, harmeesaatti bilbilee dokumentii kutaa 12ffaa osoo hin fudhatin, dhiisee qabsoof bahe akka ergamuuf taasise. Harmeen Mucees, haati gootaa dokumentii isaa M/B Qeellam Sad.2ffaa tii fuutee ergiteef. Kanaanis, Mana Barumsaa Aartii galuun Finfinneetti baratee "Aartiin" eebbifame. Kana booda Eebbisaan ammas, qabsoo itti fufuun ifaan ifatti ajjeechaa fi sarbama mirgaa mootummaan Itoophiyaa yerichaa raawwatu balaleeffachuu itti fufe.

Kaasseettiin jalqabaa kun qulqullinni isaa waan jalaa gad bu'eef saffisee kaassetta lammaffaa akka hojjatu isa taasise. Kanaaf jecha halkanii guyyaa mana cufachuun shaakalaa, oolee bulaa ture. Erga kaassetta tokkoffaa baafatee booda barbaachi wayyaanee irraa itti hammaataa dhufe. Sababa kanaaf "Gara biyya ambaa sokkii lubbuu kee oolfadhu," jedhaniinii ture hiriyootni isaa. Eebbisaan garuu "Hangan kaayyoo kiyya galmaan gahutti biyya kootii hin sokku" jechuun didee "kaassetti 2ffaa Baandii Bilisummaa" keessatti bara 1988 maxxansiifate.

Kaassettaan lammataa kun dadhabbii guddaa booda milkaa'inaan goolabameef. Qulqullinni isaas olaanaa ture. Bara hin yaadamne bara shirri wayyaanee nama nyaatu.....bara Eebbisaan akkasitti barbaadamu san kaassetta akkas shira wayyaanee saaxiluu fi qabsoo ummata Oromootti lallabu maxxansee ummata Oromoo biraan

gahuunsaa Eebbisaa baay'ee gammachiise. "Kana booda yoon du'e iyyuu ofitti hin gaddu" jedhe. Sirba isaa kaassetta lammataa kanaa keessattis haala kana ibsuuf "Hin booyin harmee" jedhee weeddise.

Kaassetni Eebbisaan bara kana maxxanse kun hojii wayyaanee gad diddiigee ilmaan Oromoo qabsoof dadammaqsaa ture. Kanaaf jecha wayyaaneen Eebbisaa ajjeesuu akka qabdu murteeffattee halkanii guyyaa hordofuu eegalte. Eebbisaan hiriya isaa Biqilaa Guyyootaa waliin mana isaanii Mujaatti argamu jiraatu ture. Kun osoo kanaan jiruu, guyyaa sururtichi tokko dhufe.

Haati gootichaa harmeen Eebbisaa abjuu hamaa tokko ilmashee Eebbisaarratti abjootte. "Mucaan koo maal ta'e laata?" jettee dhiphattee garaan haadhaa ciniinaa, bilbila barbaacha dhiphuun asii fi achi..... fiigde. Baricha bilbilli akka har'aa hin turre. Osoo bilbilichas hin argatin hafte. Silaa "Ilma koo abjuu hamaan sitti abjoodhee mana jijjiirradhu" jechuufan ture jette. Abjuu Haadhaa!

Hin milkoofne haati dhiiraa! Ilmashee osoo hin dhaqqabin bowwo mataa godaannisa ta'ee bara baraan imalu dhamdhamatte. "Dargaggeewwan kiyya naaf jajaabaatan. Garanaa garanaa naaf birmatu. Imimmaan koo naaf qoorsu. Ba'aa koo narraa qooddatu. Ilmaan koo obboleewwan walgahanii waa'ee Gadaa koo hasaasu. Waa'ee Siinqee koo dudubbatu. Harkaan walqabatanii na qananiisu. Diina bar meeqa godoo koo saamu narraa buqqisu....." jettee osoo tottoobdu, osoo galaana yaadan yeelaltu, abjuushee booda guyyaa 3ffaa tti reeffi ilmashee Eebbisaa irraan ba'e. "Haadha gootaa! Ilmi kee Eebboon du'ee garaa kee kutadhu" sagaleen jedhu tokko gurra isheerraa dubbate. Garaan haadha gootaa sagalee san dhagahe akkam ta'e laata?

"Haati dhiiraa 'n boossee, lafa gangalatee, mucaan koo ni du'a moo....

ni gala laata jettee?" jedhe mitiiree Eebbisaan. Leencichi Oromoo rifeensa daabee Eebbisaan ni du'e. Wayyaanet galaafate.

Guyyaansaa Hagayya 24,1988 gara bariiti. Sa'aatii 11:00 ta'eera. Halkan sururtichi iddoo ifaaf gadi lakkisuuf godaanaa jira. Uumamni uumamaa dabaree wal jijjiiraa jiru. Sinbirroonni "wuc....wuc...." jechaa jirti. Qilleensi calleensan gab- jedhee yaaddoo namatti naqa. Namtolchee fi uumamni hunduu callisanii ija taajjabbiin wal ilaalu.

Eebbisaa fi Xannaa Wayyeessaa hiriyaan Eebbisaa galgala waa'ee qabsoo Oromoo fi aartii mari'achaa waan turaniif barraaqa kana hirriiba cimaa keessa jiru. Biqilaan Guyyootaa guyyaa kana akka carraa ta'ee gara biraa bulee qoodni gootota lamaan dhamdhamte osoo isa hin qaqqabin hafte. Kaasettii isaa lammaffaa kana maxxansiisee..... ji'oota muraasa booda loltootni wayyaanee karaa hanga har'aatti hin beekamneen odeeffannoo funaannachuun gara mana Eebbisaa Addunyaa fi Biqilaa Guyyootaa taa'an, gara naannawa Mujjaa ganda 01 imalan. Barii barraaqa sanaan uumamni ka'ee socho'aa jiru hin turre.

Karra isaanirra gahaniit balbala ga...gaa..gaa.... godhan. Irra deddeebi'an. Gootichi hirriiba keessaa utaaleet "Eenyu?" jedhe. Sagalee jijjiirratanii "Hojiif si barbaannee turre," jedhaniin. Eebbisaanis shakkii malee balbala banee itti gadi bahe. Gootichi hin milkoofne. Hojiif barbaadame osoo hin taane, ciree rasaasa ganamaa ta'uuf barbaadame. Loltoonni wayyaanee mana marsanii jiran rasaasa itti lakkaa'an. Hiriya Eebbisaa Xannaa Wayyeessaas galaana rasaasan liqimsan.



Xannaa Wayyeessaa (Kan Eebbisaa waliin wareegame)

Kana booda Eebbisaa konkolaataa land-looverii (kan mootummaa) taate, lakkoofsa gabatee irraa baasanii itti fe'an. Namoota naannawa sanaa kan sagalee qawwee dhagahanii gadi bahan hundi karaarraa akka sokkanii fi manatti ol deebi'an taasisan. Ergasii booda loltootni wayyaanee kun konkolaataan lafarra harkisanii....., naannoo biraa geessanii erga ajjeesanii booda achumatti gatanii biraa deeman.

Waa'ee du'a Eebbisaa hiriyootni isaa maal jedhu?

Aartist Tsaggaayee Dandanaa

"Eebbisaa Addunyaa bara 1983 waajjira ABO keessatti wal beekna. Ennaa nuti hawwisoo hojjannu, inni waraana ta'ee jira..... Eebbisaa lubbuunsaa yeroo darbu Finfinnee jirra ture. Biqilaa Guyyootaa faana mana tokko jiraatu. Keessummaa wayiituu Eebbisaatti dhufe. Biqilaan waan manni dhiphatuuf gara biraa bule. Ajajaa waraanaa wayiidha; namni kun. Yoo ol seenan namoonni kun lachuu wal fakkaatu. Rifeensi isaanii dheedheeraadha. Itti aansee Eebbisaan ennaa gadi bahu dura ni madeessan. Otuu lubbuun isaa hin bahin Shiroomeedaadaa fuudhanii deemaniitu, (Taaxaq)? bakka jedhamu kana geessanii achitti mucaa kana ajjeesan. Lafa irra harkisanii erga du'ee booda fuudhanii akka namni hin tuqne godhaniitu reeffi isaallee baay'ee bakka sana ture. Haalli namni kun itti du'e baay'ee nama suukaneessa." (BBC News/Afaan Oromoo).

Loltootni wayyaanee Eebbisaa ajjeesan, meeshaalee manaa hundumaa fudhatan. Gitaara Eebbisaa yeroo kamuu harka isaa irraa hin buune qofatu hafee, harmee Eebbisaaf yaadannoo taate. Harmeen Mucee haati gootaas akkuma "Haati dhiiraa'n boossee" jedheen lafarra gangalatte. Aartistoota fi ilmaan Oromoo guutuun Oromiyaa du'a Eebbisaa yeroo dhaga'an gaddi onnee isaanii madeesse.

Aartist Daawwitee Mokonnin

"Eebbisaa Addunyaa akka qabsaa'aa guddaa tokkottin isa beeka. Muuziqaa baay'ee jaallata. Torban Eebbisaan du'e, sana 'wajjinillee laaqana nyaanna' nuun jedhee beellamallee qabannee gidduudhuma sanatti du'e. Akkasitti gargar galle. Eebbisaadhaaf sirba tokko yaadannoodhaaf jedhee sirbeen ture. Yeroo sana tibba Eebbisaan du'e sana ani aalbama tokko 'Ani dhufeeraa' hojjachaan ture. Gidduudhuma kanatti sirba tokko keessaa dhiisnee kan isaa kana itti guunnee hojjanne.

Otuun sirbuun boo'a

Eebbisaa yaadatee

keessi koo boba'aa (2) jechuun ibsa. (BBC News/Afaan Oromoo)

Aartist Tottoobaa Taaddasaa

"Eebbisaan jalqaba miseensa ABO ta'ee leenjii gahaa erga fudhatee booda gara Booranaatti dabbalummaan bobba'e. Yeroo san Afaan Oromoo kun awwaalamee..... barri sun bara dukkanaati. ABO kan ija nutti bane.

Warra kana godhe keessaa Eebbisaan tokko. Eebbisaa namni weellisuu isaa duwwaa beeku malee hojii isaa gararraa hin beekan. Akka iftaan du'u kana na bira ture. Akka carraa uffata koo ta'e, tokko fuudhee uffatee 'kana Maaramiituu natti hodhee narraa hin bahu' naan jedhe. Anis erga Maaramiin sitti hodhitee fudhuu deemi 'n jedheen. Gaafa du'ee reeffa isaa agarru uffata sanatu irra jira." (BBC News/Afaan Oromoo).

Aartist Hirphaa Gaanfuree

"Eebbisaa ani namuma nagaa biraayin deeme. Yeroon bosona deemuuf ka'e waliin deemuuf turree, akkuma carraa taanee adda babbaane. Sirba Booranaa tokko na shaakalchiisaa ture.

*Waatii koo Bashaadduu aha ---haa
Ija kee na argee
Dumbushaa bareedduu Booranaa
Simalee naan jettee qalbiin koo baranaa
Dafii na qaqqabii yaa shaggee Booranaa... Kan jedhu naaf shaakalaa ture”
(BBC News/Afaan Oromoo).*

Loltoonni wayyaanee ajaja olaanuun Eebbisaa haala suukaneessaa sanaan erga ajjeesanii booda reefa isaa raasatti gatanii sokkan. Reefi gootichaa yeroo dheeraaf iddoo itti gatan san erga turee booda hiriyyootni isaa dhagahuun fuudhanii Hospitaala Minilik geessan.

Ummanni Oromoo naannaawa Mujjaa fi barattoonni Yunivarsiitii Finfinnee guutuun dachee Mujjaa irratti walga’an. Iyyanii caraan. Qaqqe qabsoo facaaseet seenaa bara kamuu hin daganne godhee of keessatti kudhaame. Aartistoonni Oromoo hundis xiqqiin, kaayyoo Eebbisaan wareegameef galmaan gahuuf waadaa keessa isaanitti guduunfatan. Gootichi ilmaan Oromoof mul’ata abjoota Eebbisaan Addunyaa garuu hirriiba gala hin qabneen sokke. Hagayya 26 dachee handhuurri isaa itti handhuuramte Harmee Mucee bira geeffame. Guyyaa kana Eebbisaa qaxaleen akka isaa san asii fi achi utaalee hin weeddisu. Hafuurri isaas hin jiru. Waaman hin dhagahu. Harmee Mucee lafatu garagaleen. Haati dhiiraa boossee gangalatte. Hagayya 27/1988 akka seera uumamaatti biyyoon walitti dabalame.

Goota awwaaluu fi boowunis akka hin danda’amne awwaalcha seera namtolchee godhanii loltoonni wayyaanee xixiqqoon ummata D/Doolloo galaana..... Eebbisaa awwaaluuf bahan dararan. Seenaan gootichaa hiriyyoota isaan qophaa’es akka hin dubbifamne dhoorkan. “Oonag tokkodu garagale” jedhaniis itti qoosan. “Maalitti beekti gadheen bakka gootni oolu?” jedhe mitiiree Caalaa Bultumee. Haati dhiiraa gooticha dhabdeef gangalatte boosse.

Erga Eebbisaan du’ees hanga wayyaaneen kuftutti maatii Eebbisaa dararaa fi reebichi itti hammaate. Harmee Mucee ganamaa galgala dararaan itti walfure..... Ilmaan ishee hafanis irbaata rasaasaa gochuuf barbaadu. Booyichaanis ija ishee jaamsuu gahan. Ta’us haati gootaa gootuma waan taateef, guyyaa tokko na dararan jettee jilbiinfattee hin beektu.

“Ilma koo, barii barraaqa subii keessa ajjeesan. Kan Eebbaa koo ajjeesan itti fakkaate malee Eebbisaan koo hin duune. Har’allee lubbuun jira. Akka inni du’etti osoo hin taane, akka inni daranuu qabsoo jabeessetti akka ilaaltanan barbaada. Animmoo Eebbaa koo sin keessattin ilaala” jechuun ilmaan Oromootti onnee qabsoo horte haati gootaa.

Obboleewwan Eebbisaas daran dararaan itti hammaate. Sababa malee qabamanii reebamuu fi mana hidhaa hin beekamnetti hidhamuun jireenya isaanii ta’e. Keessumattuu Ashannafii Addunyaa jireenyi isaa guutumatti mana hidhaa fi reebama ture. Boodarra humnaa ol yeroo itti ta’u, biyya ambaatti baqachuuf dirqame. Akkasuma Daangaa fi Kiyaa/Tigist/ dararaadhuma kana dadhabanii baqannaan biyya ambaatti godaananii jiraachaa jiru. Mul’ataa/Taammiraat ammoo, yeroo Eebbisaan boqotu rifaatuun dhukkubbiif saaxilame. Hanga har’aatti darbee darbee rakkachaa jira. Barnootasaa Yunivarsitii irraa eebbifamee yeroo qacaramutti, sababuma obboleessa Eebbisaa ta’eef kaabinoota xixiqqoon hanga har’aattillee dararamaa jira.

Daangaa Addunyaas Yunivarsitii Teeppiitti dararaa kana hin jedhamne dhamdhamteerti. Ililii Addunyaa ammoo, bara D/Doolloo mana Barumsaa keessatti gootittiin Dirribee Jifaar wareegamte, baay’ee reebamuun..... dugdishee garmalee miidhame. Baricha gootittiin Oromoo Dirribeen ennaa duutu, obboleettii Eebbisaatu du’e jedhamaa turuun ni yaadatama. Ililliin Yuunivarsitii Bahaadaarittis

loltuu wayyaaneen rukutamtee miidhaa cimaaf afeeramtee jirti.
(seenaa Dirribee Jifaar kutaa 2ffaa kitaaba kanaa keessatti eegaa).

Duuti Eebbisaa akkuma Harmeen Mucee jedhan, du'a osoo hin taane
jireenya. Qaanqee bilisummaa inni qabsiisee imaleen....., goototni
Oromoo kumaatamni gumaa sanyii isaanii baasuuf dhalatan

.....ollaan kee bilisoomtee
Alaabaashee dhaabbattee
Atis mirkaneeffachuu
Akkamitti dagattee?----

jedhee dhaamsa ilmaan Oromoof dhaamen Oromootni hundi ka'anii
kaayyoo isaa galmaan gahuuf karaarra imalan. Dargaggootni danuun
gara qabsootti ba'an. Qabsoo sanaanis biyya isaanii baroota hedduu
caalaa bara tokko caalchisan.

**Aalbama Eebbisaa keessaa weedduu fi geerrarsa muraasa
fuunee ergaasaa yoo ilaalle,**

Haati dhiiraa 'n boossee

Haati dhiiraa 'n boossee
Lafa gangalattee
Mucaan koo ni du'amoo
Naa gala laata jettee
Hin boo'iin aayyoo koo
Ani diinan waraanaa
Dudduubatti hin hafnuu
Walii wajjin kaanaa(all 2)

*** **

Beela'ee dheebodhee
Waanani nyaadhuus dhabee
Tasa hin irraanfadhoo
Waanani keessa darbee
Aayyoo koo boontuu koo

Naa daakii galaa koo
Jiraannan nan nyaadhaa
Duunaan sadaqaa koo (all 2)

*** **

Rasaasaaf meeshaa koo
Zinnaara guuttadhee (2)
Ani deemeera aayyoo
Mudhii jabeeffadhee
Ani deemeera aabboo
Mudhii jabeeffadhee (all 2)----

Akkuma haati dhiiraa abjuun du'a ilmashee beekte, Eebbisaanis du'a
isaa ofitti beeke fakkaata. "Haati dhiiraa 'n boossee, lafa gangalattee"
jedhe. Ani duuti koo gatii malee mitii, diina waraaneen du'ee hin
booyin. Hin gaddin haadha koo..... jechuun dhaammate. Ummatni
keenya sabni bal'aan dararamaa jira; saamamaa jira, qalamaa jira, ani
ofii koo of laadhee saba kana bilisoomsuuf imala eegale.....
eenyumtuu duubatti nan deebisu. Ati immoo mucaan koo ni du'a
jettee hin yaadda'in; yoon du'es, saba kootifi waan ta'eef, galaan ittiin
jiraadhu naaf qopheessi, na eebbisi, na jajjabeessi malee ala hin
ilaaliin....., hin roorra'in ergaa jedhu of keessaa qaba.

Kana malees, dheebodhus, rakkadhus rakkoon koo rakkoo ummata
Oromoo bara dheeraa hin caalu, ummatni Oromoos duubatti hin
deebi'inaa....., ani du'us, jiraadhuus duubatti hin deebi'u, jechuun
dhaamsa haadha isaa baay'ee jaallatuu fi saba Oromoof dhaame.
Haadhasaa onneen kan kudhan rukutaa ijjishee ala eegdu akka
jajjabaattu taasise. Eebbisaan weedduu kana keessatti ramaddii 1ffaa
of taasisee yaa weeddisu malee ergaan isaa ummatni Oromoo hundi
daawwitii godhatee keessatti akka of ilaalufiidha.

Hiibboo

Hiibboo.....hibib

Kallacha qabsoo uummata Oromooti.....ABO
 Falaxaa/2/ muka hin soofanii.....alagaa/2/'f hin gabroomanii
 Falaxaa/2/ muka soofuuree.....alagaa/2/'f ni gabroomuuree?
 Har'a ijoollee keenyaa hin gadhoomanii...alagaa/2/'f hin gabroomani
 Yookan du'uu malee hin gabroomanii.....alagaa/2/'f hin gabroomani
 Akka Taaddasaa faa yoo jagnoomani alagaa/2/'f hin gabroomani
 Akka Goobanaa fa'a ni gabroomuuree.....alagaa/2/ ni gabroomuuree ?
 Tokkummaan ka'anii yoo jabaatani.....alagaa/2/'f hin gabroomani
 Aarsaa kafalanii yoo qabsaa'anii..... alagaa/2/'f hin gabroomani
 Falaxaa/2/ muka soofuuree.....alagaa/2/'f ni gabroomuuree

*** **

ABO.....WBO koo
 ABO.....WBO koo

Eenyu isheen/2/ daangaa Oromoo lixxuu... Eenyu isheen/2/
 Daangaa Oromoo lixxu..... irra ijjattee mormashee hin kuttuu.....

Iccitiin keenya, dhaaba ilmi Oromoo jalatti wal gahu.... kan Oromoof
 qabsaa'u, dallaan Oromootaa ABO dha. Egaa yaa ummata Oromoo
 tokko ta'aa! Diinni nu gabroomfachuu dhufee, diinaaf hin
 gabroominaa. Walirraa hin dheessinaa. Wal hin qoqqoodinaa.
 Walirratti du'aa. Goobanaa taatanii aangoo fi maallaqaan saba keessan
 hin gurgurinaa!, Tokko ta'aa daangaa keessan eeggadhaa. Hundi
 Oromootaa dhaaba Oromoof lolu jala yaa hiriirru, maaloo yaa ilmaan
 Oromoo tokko ta'aa ergaa jedhu ummata Oromoof dhaama.

Nu hin bitamnu alagaadhan
 Nu hin bitamnu alagadhanii
 Nu Oromoodhaa/2ABO/ yaa nu beekanii
 Nu arrabaan sobaa nun gabroomsanii
 Lamuu arrabaan hayi nun gowwoomsani/all 2/
 *** **

Arrabaan nu sobaa, afaan qawweetiin
 Meeqa kan guuramee mana hidhaattii
 Badii tokko malee hanga du'aattii

Meeqa kan qalamee qe'ee isaatti

*** **

Sinbirroo barrisii bosona marsii
 Leencicha bosonaa naa dudubbisii
 Waan nu keessa jirru itti gabaasi/2/

Nuti Oromoon saba guddaa warra addunyaaf fakkeenya ta'e. Warri
 goototaa maaf gabroomna? Diinni keenya baraa hanga baraatti.....
 afaaniin nu sobaa, seera barreeffamaan nu sobaa gochaan isaa kan
 biraa ture. Goototni keenya ilmaan Oromoo, Oromoof falman
 rasaasan dhumaa.... mana hidhaatti guuramaa, kuun qalamaa, kuun
 miilli fi harki citaa, ilmaan Oromoo qe'ee isaanitii buqqa'aa, kuunis
 ajjeefaman. Furmaanni isaa qabsoo qofa, yaa ilmaan Oromoo bakka
 jirtanii walitti dhaamaa ka'aa....., waan ummanni Oromoo itti jiru
 ABO bosona jiruttis naaf himaa, amma booda arrabaan akka nu hin
 sobne, nuti Oromoo warri gootaa gaafa kaane, duubatti kan hin
 deebine ta'uu nu wallaalan moo., nu beekaa! Ergaa jedhu of keessaa
 qaba.

Geerarsa

.....sababiin buna hin fille yaa ijoollee
 Jabanaa galaafattee
 Sababiin Goobantichaa
 Goota koo galaatafate.
 Kan kaleessaa osoo jennuu
 Har'as nutti obbaafate.....

Gantuun ummata isaa, saba isaa ganee aangoo argachuuf ormatti
 galee..... saba isaa gurgurate. Gootota keenya danuu ficcisiise.
 Goobanaan Minilikiin bitamee Oromoota waraanaa waan tureef,
 gootonni keenya hedduun akka Tufaa Munaa fi kumaatamoonni
 gootota Oromoo dhumaniiru. Isa sanarraa baru, osoo jennuu har'as
 kan akka Goobanaa Oromoo keessa taa'ee Oromoo maallaqaa fi
 aangoon gurguratu kan of hin barre jiru jechuu ibsa.

....akkuma namaa qonnee
 keenya maaf bade laata
 Warra beelas maaf taane
 Akkuma namaas lollee
 Mirga keenyas maaf dhabnee
 Nuti maal yakkinee laata(2)
 Gaagurree ofseetani
 Booken nutti galte kaa
 Ilma dabeessaa taanee
 Gadheen nutti taphitekaa.....

Dachee magariisaa qabna. Hojiis hin dhiifnee; inuma ifaajnaa garuu nuuf hin dabartu. Kan nuti hojjannu ormatu nu saama. Bineettiin nu saamtu nutti galtee dabeessa nu godhatte. Mirga keenyas akka hin falmanne nu dhoorkite. Lakki yaa ilma Oromoo diina ofirratti hin laalinaa!, Ka'aa rukutaa jechuun imaanaa dhalootatti laate.

...anisoo nan ajjeeraa, mee anisoo nan ajjeeraa
 Citaa xinnoo taatullee mee anillee nan ajjeesaa
 Shanii fi Ja'a taatullee, kudha tokkoo taatullee

Ishoo!
 Geeshoo unadhuu daadhii
 Duula farda yaaseera (2)
 Seenii simadhuu laali
 WBO an si yaadeera (3)

*** **

Dhagaa keessa foqoqxee, ruurroftee dibbee taatee
 Beeloftee biyyaa baatee, warrattiin mataa cinii
 Gaafa Oromiyaa seentee, Dinnicha hanqaaquu seetee
 Muuzii faa Dhadhaa seetee, kana faa mi'eeffattee
 Kunoo galuu kakattee, Oromoo maaf calliftee
 Sangaa fardaa dulloomee, utaalcha gaafatuuree
 Ilma namaa gabroome, booyicha gaafatuuree.....

Hundi keenya walii gallee diina nu gabroomfachuuf dhufe.... ofirraa yaa faccifnu. Gahee keenya yaa baanu! Anis 11 taatullee nan ajjeesa

iccitii jedhu qaba. Diinni keenya gaafa dhuftu waan nyaattu dhabdee, dachee isheerraa dhakaa malee kan hin biqille..., dachee keenya magariisa irratti kan argitee hin beekne, gaafa argitu sokkuu kakatte. Dinnicha Killee seete, Muuziifaa Dhadhaa seetee.... raatofte; kanaaf galuu diddee..., isheenuu dhuftu dachee keenyarratti nuuf gabroomtee, yaa Oromoo hin ilaalinaa.... yaada jedhu of keessaa qaba.

.....Utuu seenaan hin jirree , yoonaa maaltu of yaadataa/2/
 Eenyummaasaan dhaadataa, adaraa yaa oromoo
 Qoree qoree dhaabbadhaa, galmee seenaa qoradhaa/2/
 Namni seenaasaa hin beekne; bishaan gabateerraati gara
 argetti jallataa/2/

Osoo seenaan hin jirree eenyummaan keenya har'aa hin jiru. Waan kaleessa tures beekaa, namni seenaa hin beekne gara itti adeemu hin beeku. Asiif achi jallata. Garuma oofanitti deema. Hundatu raasa.... lakki yaa Oromoo warri seenaa hin beekne, seenaa keessan beekaa. Seenaa beeknee yoo dhalootatti hin dabarsine ilma seenaa hojjatu, kan bakka bu'us hin argannu, ergaa jedhu of keessaa qaba.

Afaan keenyaan dubbannee karaa deemuu dadhabnee,
 Yaa buna hin daraarinii hangan Harree bitutti
 Yaa du'a nan waamini , yaa biyyoo nan nyaatinii
 Hanguman bilisummaa ija kiyyaan argutti/2/

Afaan keenyaan dubbanna.... afaan keenyan barreeffanna, afaan keenyaan baranna jennaan akka diinatti nu ilaalanii nu ajjeesani. Nu reebaa turan. Afaan Oromoo akka afaan gadiitti ilaalanii nuunis gabroomfachuuf hin dubbatinaa nuun jedhan. Bilisummaa nu dhoorkatanii, gaaf tokko ni bilisoomna. Yaa waaqayyo hangan bilisummaa kana ija kiyyaan argutti nan ajjeesin jechuun ergaa dhaammate. Akka du'a ofii beeketti Waaqayyoonis na hin ajjeesin jedhee kadhate . Garuu hin milkooftu.

Ka'ee meeshaa koo fudhee , biyyaa ishee baasuu laata

*Osoo akka garaa kootii biyyi koo Oromiyaan
Har'uma bilisoomtii, akka garaa ta'aa ree
Marqaan galaa ta'aa ree, yeroosheet tura malee
Bilisoomut oolaaree/2/*

Yeroo ammaatti ummatni Oromoo oromummaa isaaf quuqamu mul'ata Eebbisaa kana hiibboo isaa hiikaa jira fakkaata. Bilisoomne jennee afaan guunnee dubbachuu baannus, cincilli bilisummaa ilmaan Oromoo har'a dhufe kun mul'ata Eebbisaa ture. Ilmi Gadaa tokkichi MNO ta'ee ol bahuun dachee guutuu sochoosuun, Oromoota gara aangootti ol fidee hidhamtoota hidhaa yaase. Ilma Gadaa addunyaaf ta'us biyyaaf kenne. Shira xaxxootaa fi saamtota baraa hanga baraa dachii Oromiyaa sharafaa turanis dukkana hidhaatti ol guure. Mul'atni Eebbisaa hanga muraasni kanaan mirkanaa'e.

*Kan Oromoo maal laata, haadhoon wal gaarreffataa
Wal harkaa nyaatee dhugeet, /2/ dudduuban wal hamataa
Akka waan alaa dhufet, kutaadhaan wal qircataa
Maanguddoon biyya keenyaa, mee araara nuuf kadhaa
Abaarsa qabnaa laata.....?/2/*

Gartuun muraasa Oromummaan isaan biratti hiika hin qabne, Oromoo osoo hin taane diina jechuunii kan dandeenyu, kan Oromoo kutaadhaan addaan qoodu..... Oromoodhuma keessa taa'ee, harka irraa nyaatee dhugee, deebi'ee aangoo fi maallaqaan gurgurata. Oromoo sirriin nu'i ykn ana jechuun kutaa ofii qofa leellifata. Oromummaasaa dagata. Kun abaarsa ta'innaa laata mee maanguddoon waa'ee Oromoo kanaaf tokkummaa akka buusu Waaqayyoon nuuf kadhadhaa jechuun sodaa isaa fi yaaddoo isaa ibsate.

*Ija kootu na sirbaa yaa ijoollee, maaluman argaa laata
Gurra kootu na huursaa maalan dhagahaa laata
Hiddituu akka sonsaa, loltuu akka kanniisaa /2/
WBO koot dhufaa laataa, amma tola yoo tolee*

*** **

*Yoo rafnaan abjuun tolee, yoo deemnaan milkiin tole
Harreen maalif halaakaa, halkan itti fakkaatee
Indaaqqoonis maaf iyye, sinbirroon cuu-cuu jettee
Weenniinis kokorrissee, bilisummaa farrissee
Oromoo wal dammaqsaa, lafti bari'uu geessee.....*

Mul'ata wayiin qaba; keessi koo natti himaa jira. WBO'n koo galuu hin hafu. Barris, wanti hunduu bineensisi, allaattinis barii farrisaa jiru. Bilisumma argachuu geenyee jirra..... Abdiin qaba. Yeroo dhihootti akka bilisoomnu yaa ummata Oromoo ka'aa bilisummaa simadhaa! Teessanii hin ilaalinaa ergaa jedhu qaba.

*Ijoolleen Bahaa Dhihaa, ijoolleen Kaabaa Kibbaa
Tokkummaadhaan qabsaa'aa, tariin dhukkubsattee
Lubbuun morma geesseettii, awwaalaf qoqophaa'aa/2/*

Qabsoon waliin malee hin taatu.... ijoolleen Oromoo kallattii hundarra jirtan, tokko ta'aa walitti birmadhaa.... Wayyaaneen baduuf kaatee jirtii..... tokkummaan humnaa! Tokko ta'aa! Yaada jedhu of keessaa qaba.

*Surree koof shaamisii koo, mataattan boraafadhee
Dhiiga koo ishee i joollummaa /2/ bosonattan obbaafadhee
Bosona yaa qorra ishee, Ganna yaa diillalla ishee
Jajjabee jabinashee WBO kee yaa obsa shee/2/*

Qabsoon waan salphaa miti. Rakinnii fi dhiphuun dabaree namatti wal furu. Jiruun bosonaa beelaa fi dheebuudha. Ganna hurriin..., roobni..., qorri.... eenyummaa namaa jijjiiru. Akka nama kamiittuu mana taa'uu, wallaalee ykn waan nyaadhu dhabee miti. Dubbii gabrummaatu kana caalee bosonatti nu galche. Bilisummaan salphaatti akka hin dhufne beekke WBO'n obsaan ilkaan ciniinnatee Oromoof rakkina akkas dhandhamate jechuu isaa addeessa.

*Ana falmataa Gadaa
Boonsaa sirna Abbaa Gadaa*


*Yoo Oromoon tokko ta'ee
Diinnisaa baqee badaa
Ollaan kee bilisoomtee
Alaabaashee dhaabbattee
Atis mirkaneeffachuu
Akkamittiin dagattee.....*

Ilmaan Oromtichaa warra sirna Gadaa...., warra Gadaan bulu , warra guddaa, Oromoota warra nagaa mee tokko ta'aa! Yoo isin' tokko taatan, diinni keessan isin hin ilaalu. Jabaadhaa diina falmadhaa. Ollaan keessan Eertiraan falmattee bilisa baatee.... Atis falmadhu. Biyya kee bilisa baafadhu.... ergaa jedhu ilmaan Oromoof dhaame.

Weedduu fi geerarsa dhaamsa ilmaan Oromoof galaa ta'u dhaame. Ummatni Oromoo akkamiin gaara injifannoo irra dhaabbachuu akka danda'u, qabsoo akkamii taasisuu akka qabu, hanqinaa fi rakkoowwan ilmaan Oromoo keessa jiru.... hunda isaa weedduun ilmaan Oromootti hime. Sirbi Eebbisaa kun sochii qabsoo ilmaan Oromoo keessatti akka motora warraaqsaatti tajaajile. Sagalee isaa akka ulullee san namni kamuu eessattuu, tasas osoo karaa adeeman, mana muuziqaattis, konkolaataa keessaas, bilbila irraayis iddoo garagaraatti yoo dhagahan hanga har'aatti kan hidhii xuuxaa imimmaan hin harcaafne hin jiru.

Irra darbees gadda humnaa oliin jeeqamee "Mee maaloo sirba kana osoon dhagahuu baadhee" kan jedhus danuudha. Oolmaa Eebbisaan ilmaan Oromoof ooletu hin madaalamu. Abbaan mul'ataa haala akkasiin harka wayyaaneen ajjeefamuun godaannisa bara baraa ta'e. Weedduuwwan onnee namaa madeessan..... geerarsaan mul'ata raagee, mul'atichi ife. Sagalee keessa namaa qirqirsu, sagalee Eebbisaa Addunyaati. Gootichi Oromoo abjuu dhugaa abjootee wayyaaneen nyaatame. Lubbuun kee boqonnaa bara baraa yaa dhandhamtu...., mul'atnii fi oolmaan kee ilmaan Oromoo Abbaa Gadaa fi qeerroowwan ati dhiistee sokkiteen galma gaha.

4. Asaffaa Shaaroo Lammii (1928----)



"Kan si caalutu na argate"

Asaffaa Lammii Haata'uu gootichi Salaalee sanyiin B/Jeneraal Taaddasaa Birruu, sanyiin Agarii Tulluu sirna abbaa lafaafi cunqursaa lammiisaa jabana mootolii habashaa keessa mormaa kan tureedha. Maqaan dhalootasaa Asaffaa Lammii Haata'uu kan ta'e, hawaasa

Oromoo biratti Asaffaa Shaaroo Lammii jedhamuun....., beekama. Shaaroo jechuun maqaa masooti. Kunis "Ashaarimmoo, ykn abbaa aangoo aangoo irraa fonqolchi" ashaari kan jedhurraa kan dhufe yoo ta'u, sababa shimalaan inni diinotasaa ashaaroo godhee galuuf, walirra naqaa tureef akka moggaafameefitu himama. Jabana Jaanohi keessa namni tokko tokkoratti, naannoon tokko naannoo tokkoratti olaantummaafi dandeettii ciminasa agarsiisaa ture. Ati na gabbari. Natu sii oli. Ati na jalatti buli. Sin reeba jechuun wal qoccolaa turan. Abbaan Asaffaa obbo Lammii Haata'uus qooda kana keessaa gahee qabu. Gosa isaa warra Darroo dhiisee gara Dhaayee Sillaasee iddoo gosti inni keessaa dhalate hin jirretti, kan godaanes "Nu gabbari" jedhanii taa'ii fi ka'ii waan dhoorkaniif.

Obbo Lammii Haata'uu akkuma goota kamuu biyya koo dabarsee hin kennu; Biyyi koo hin koloneeffamtu jechuun Xaaliyaaninis lolee Faranjii lama ajjeesee jira.

Kuyyuu gosa Kuraa Gosee jedhamurraa kan dhalate obbo Lammiin Fitawraarii Muluu Hasanuu waliinis situ na gabbara. Ani sin hin gabbaru. Anis dhiiraa; atis dhiiraa jechuun yeroo dheeraaf wal mormaa turanii jiru. Fitawraarii Muluu Hasanuun gooftaa Xaaliyaanotaa, biyyasaa kolonii jalaa oolcheedha. Sirbi weellisaa Taaddalaa "...Muluu Hasanuu malee kan qawweetti fooxaa maru hin jiruu, garaa kutate malee kan du'aaf ajjeechaa malu hin jiruu" jedhus ragaadhuma isaati. Shallamaa (2010:330)

.....Dajjaazmaach Asaffaa Wasanee Kaasaa waliin kutattoota ijoollee biyya jaallatan qabatanii, Fardaafi lafoon Finfinnee karaa Inxooxoon ijoollee Sulultaa waliin ba'anii Xaaliyaanii ba'aa gala dhoorkan. Balaachaw Hasanuu Farda isaa Abbaa Giddiin, Muluun ammoo Abbaa Giraanyin akka xiyyaara samiirraa furguuganii akka Simbirbutaa diida rukutaa ture. Bara 1931-1935 tti ijoollee Darroo, Kuyyuufi Dhaayee waliin

raayyaa ittisaa/loltoota mataa isaanii hundeessuun "Mataa Goraa" jechuun moggaasuun baandotaafi Xaaliyaanii waan wallaalchisan.

Haa ta'u malee, Muluun akkuma seenaa gaarii hojjate seenaa xuraawaa goota Oromoorratti raawwates qaba. "Muluun garuu wantoota raawwate keessaa kan Salaale gaddisiise, kan jarri kaan sa'a fannisaniin osoo hin taane Agariifi obboleewwan isaa fannisiisuu isaatiin ture." (Shallamaa, 2010 maxx.3ffaa) Egaa obbo Lammii Muluun akkasiin osoo wal reeban....., ilmi Lammii Asaffaan guddatee Muluun akka walitti darban obbo Asaffaadhumi har'a ni hima.

Asaffaa Shaaroo Lammii abbaasaa obbo Lammii Haata'uu fi haadhasaa aadde Geexee Baatuu irraa bara 1928 (bara weerara Xaaliyaanii) godina Shawaa Kaabaa/Salaale/ aanaa Warra Jaarsoo, ganda Dhaayee Tuutiitti dhalate. Barnoota barichaa muka jalatti maqaa ofii katabachuuf muraasa kan baratan....., obbo Asaffaan umrii isaan daa'imummaatti akkuma ijoollee hawaasa Oromoo Salaaleetti Farda Collee gulufsiisaa, Shimala qolachaa, wal'aansoo qabaa, loon akaakayyuufi abbaasaa tiksaa guddate.

Umriidhuma daa'imummaa isaa kanatti shimala qolachuufi rukutuu baay'ee kan danda'u, guyyaa ayyaana Astaroo ykn yeroo Taabotni bahee ayyaanni kabajamu, dargaggeessi qolannaa isa jedhamu taphatu. Uleen wal akaawu. Asaffaan nama rukutee osoo hin buruksin, osoo hin miidhin hin galu jedhan. Yeroodhuma kana guyyaa tokko Bataskaana Mikaa'ela Qacammee ji'a Sadaasaa keessa kabajamutti, Asaffaatti dargaggeessa 9 ta'anii itti marsan. Salgan isaanituu Shimalaan kukuffisee akka biraa deeme maanguddoon ollaasaanii obbo Girmaa Abarraa ni himu.

Haaloo kana ba'uuf jecha dargaggeessi kunneen 12 ta'anii naannawa gabaa "Arbii" jedhamutti eeggatan. Guyyaa kanas Asaffaan achi utaalee, as utaalee nama kudha lamaanuu shimalaan lafa ciciibsee

biraa sokke. Gosti abbaa Asaffaa iddoo dhalootan naannawa inni jiraatu....., kana kan hin jirre yoo ta'u, sababuma kanaanis gosti Faaxoo jedhamu nu gabbari jedhanii hakuucaa akka turan obbo Asaffaan ni dubbata. Kanumaanis xiiqii isaa itti cimsaa dhufee, "Abbaan kiyya Muluu iyyuu hin gabbarree natu sin gabbaraa?" jedhee bosona Mogor seenee ture.

Sababni kana yaa ta'uu iyyuu malee, irra caalaatti obbo Asaffaan yeroo kana bosona kan seeneef, abbootii lafaa lafa ummatarraa saamanii, hiyyeessa beelan fixaniifi mootummaa yeroo sanaa sirna isaa jibbuun akka ta'e har'as hafuura gaddaan dubbata. Abbootii lafaa warra yericha maqaa "Irboo, sisoo" jedhuun lafa Waaqni qixa kenne saamuun tokko qooqa bulchaa....., ofii quufa bulanirratti duulaa ture. Abbaan hiyyeessaa Asaffaa Shaaroo Lammii.

Sirni Fiwudaalizimii fi naafxanyootaa siyaasa Itoophiyaa keessatti mirga dhala namaa uumamaan laatameef irraa mulqaa ture. Abbaan Lafaa ofisaanii ergama Waaqa biraa dhufe of godhanii hiyyeessi waan ofiif qote harka caalaa akka isaaniif qoodu gochaa turan. Lafa bal'aa qote bulaa saamee....., sanumaayyuu ofiisaa harka maratee taa'ee qonnaan bulaa irraa Irboo safarata. Humna uummataa burqaa jireenyaa godhatee ittiin jiraachaa ture. Sirna Fiwudaalizimii fi naafxanyaa kana dhabamsiisuuf qonnaan bultootni Baalee fi Oromootni biroo seenaa keessatti ogguu ka'u. Gootota kanneen keessaa sirna abbaa lafaatiin wal'aansoo kan qabaa turan keessaa ammoo goototni Salaalee adda dureedha. Dokumentarii seenaa Asaffaa Shaaroo Lammii, (DHRTVO,2006).

Abbaan Asaffaa obbo Lammii Haata'uu sanyii warra Fiwudaalizimii fi naafxanyootaa ta'uu baatus....., gootummaa isaa ilaalanii abbootiin lafaa gara ofiitti fiduun abbaa lafaa taasisaniiru. Intala isaaniis kennaniifii itti soddoommatan. Aangoos qoodanii kennaniifii jiru.

Akka gootummaa isaa kanaan Oromoodhumatti garagalee Oromoota jilbiinfachiisuuf. Lammii Haatahuu keessa isaatti amanee fudhachuu baatus abbaa lafaa ta'ee hiyyeessa irraa Irboo nyaatee jira. Ilmi isaa Asaffaa Shaaroo Lammii tokkichi qofaa dhalate, hojii abbaa isaa kanaafi abbaa lafaa ijjisaa akka argu hin fedhu. Roorroon hiyyeessaa kun Asaffaa mataa dhukkubse.

"Lafa kan diriirsee uume Waaqa. Kan ifaaju qonnaan bulaadha. Maaf tokko abbaa humnaa ta'ee callisee harka maratee taa'ee qonnaan bulaa irraa Irboo safarata?" jechuun haaloo hiyyeessaa bahuuf bosona lixe. Abbootii lafaa reebbe rasaasa bichisiifate. Kan didde olii fi gad ari'ee shimalaan haleela.

Abbaan Asaffaa obbo Lammiin dureessa. Abbaa qabeenyaa guddaa ture. Ilma isaa tokkichaan "Taa'ii nyaadhu," jedhee kadhatee dadhabe. Asaffaan garuu abbaa isaatiyyuu "Hiyyeessa irraa Irboo hin nyaatin. Ba'ii hojjadhu," jechuun itti garagale. Hiyyeessa Harreedhaan midhaan qe'eetti fidanii Irboo abbasaaf safaranis dhoorkee, "Deemaa, fudhaa galaa midhaan keessan. Ofii hojjattanii maaf orma gabbartu? Abbaan koo hojjatee yaa nyaatu," jechuun isaan deebisaa ture. Abbaan isaa obbo Lammiin garuu "Gurbaa as natti garagaltee?" jechuun qawwee fudhatee Asaffaatti dhukaase. Ta'us Asaffaa rasaasni hin rukutne. Xiiqiin qabamee, garaa kutatee qabsoof gara bosona isaatti qajeele. Gidduu gidduun bosonaa bahee qe'ee abbaasaa oolee kan bulus haraama jedhe.

Qabsoon Asaffaa qabsoo uummata cunqurfamaa waan ta'eef....., ummatni Salaalee baay'ee isa jaallata. Karaa waraanni Jaanohii fi Dargii jiru akeeku. Yoo itti cintes dhoksanii irra dabarsu. Abbaan isaa gaabbee ilma isaatti fuudhuuf Asaffaadhaan "Koottuu gali ilma koo. Bultii ijaarradhu. Lukkeelee mootummaa sirraan dhoorkaa" jedheenii matta'as kennee ture. Asaffaan "Tole garuu, ani abbaa lafaa hin

gabbaru. Fuudhicha nan fuudha," jedhe. Guyyaa cidha isaas hamoomotni bahee yeroo missirroo fuudhanii galan, tooftaan qabuuf itti marsan. Gootichi garuu fardaan gulufee harkaa bahe.

Hiriyootasaa kanneen bosona waliin seenan, Abarraa W/Yohaannis, Simee Kuyyuu, Asfaaw Daanyee, Abarraa Tasammaa, Nagaash Mootummaafi kkf..... waliinis abbootii lafaa hedduufi baandota Hayilasillaasee holqa seensisan.

Boodarra garuu gidduudhuma kanaan Hayilasillaaseen kufee dargiin yoo dhufu waraana dargiin barbaadamuu eegalan. Kanaafis harka hin laatne. Waraana loltoota dargii waliin guyyaa tokko naannawa Badhaadha Jaarsoo jedhamee waamamutti dhukaasa walitti bananii loltoota dargii keessaa nama lama ajjeesanii turan.

Kana booda....., Asaffaan hiriyoota isaatti nagaa dhaammatee gara Yaayyaa Gullallee imale. Achittis kan caalu Agarii Tulluu waliin wal argate. Bosona Yaayyaa Gullallee biyya Badhaadha Dilgaasaa/ Miidhee/ ganda baalabbaata Gizee Walaa jedhamu keessa turan. Gizeen Walaa jaarsa biyyaa Asaffaa fa'iif galaafi gargaarsa adda addaa gochaa tureedha. Agariin garuu yeroo kana obboleewwaniifi loltoota isaa waliin jira. Haaluma kana keessa Fitawuraarii Muluu Hasaanuun loltoota isaa fidatee dhufee Agarii fi Asaffaatti waraana bane. Dhukaasa sa'aatii dheeraa boodas loltoota Muluu keessaa namni lama du'anii namni Burruusee jedhamu ammoo rukutamee baattamee gale.

Egaa turtii fi qabsoo yeroo dheeraa booda Asaffaan jireenya dirree qabsoo dhiisee galuun q'ee abbaasaaniitti deebi'ee jireenya hawaasaa jiraachuu eegale. Haadha warraa isaa "Asaffaa fidi" jechuun hedduu dararamaa turte....., aadde Tsiggee Seefuu waliin walitti deebi'anii bultoo ofii qajeelfatan. Ijoollee Sadiis godhatanii erga waggaa kudhanii ol nageenyan mana isaa jiraatee booda guyyaa tokko cidha ollaa isaa

kan obbo Gaarradoo Watoo, deemee erga galee booda, loltoota dargiin qabamee sokke. Kana booda, waggaa sagaliif osoo hin deebi'in ture jedha ilmi isaanii Balaay Asaffaa.

Dubbiin akkas ture, Asaffaan cidha ollaa isaa kan obbo Gaarradoo Watoo akkuma aadaa Oromtichaa hamaamota waaman dhage. Obbo Gaarradoon diina/nama wal loleen/ qaba ture. Namni inni wal loleen kun guyyaa cidha obbo Gaarradoo kana dhufee obbo Gaarradootti dhukaasee ajjeese sokke. Missirroowwan osoo handarii daaddisaa eegan milkiin jalaa godaante.

Anaa boo'uu ta'uu jabbiin miilarra na dhaabbatte jedhama mitiiree. Duraa Asaffaa karaa ittiin argatan barbaadu waan ta'eef, sababuma guyyaa san achi jiruuf qofa obbo Gaarradoo situ ajjeese jechuun loltoota dargiin qabamee gara mana hidhaa Fiichee qajeelfame. Harki Asaffaa garuu harka dhiigaa akka hin taane....., hawaasni Salaalee ragaa ba'aaf. Kanaafis akkas jedhanii sirbaniif.

Shaaroo Lammii

Ya Asaffaa Shaaroo Lammii

Shakashakii seenii waknii

Goobaa kormaa(2)

Ya Asaffaa Shaaroo Lammii

Si hidhanii qoodaa ormaa(2)

Goba kormaa goobsisanii

Ati hidhamnaan yaa Asaffaa

Daa'ima kee boochisanii(2)

Shaaroo Lammii(2)

Keessa namaa

Hin beektu namnii

Shimalli kee faalaxamee

Falaxamee shooruu qabee(2)

Ati hidhamnaan ya Asaffaa

Daa'imni kee boo'uu qabee(2)
Shimalli koo hin shooru hin jennee
Daa'imni koo hin boo'u jennee
Ya Asaffaa goobaa kormaa
Si hidhanii qoodaa ormaa(2)

Mi'a Fardaa Meendhacha too
Shaaroo Lammii
Goota nagaa Qeerransa koo
Ya Asaffaa Daamaa Qal'oo
Shakashakii maaloo balloo

Ya Asaffaa Geexeen dhaltee
Asee yaa korma koo
Shakashakii yoo siif gamtee.....

Jedhanii sirbuun qooda ormaa hidhamuusaa ragaa bahuuf. Manni murtii olaanaa Fiichees hanga dhimmisaa qulqullaa'utti jedhee mana hidhaatti ol darbe.

Bara qabsoosaa argachuu dadhaban haaloo ba'uuf jecha sibiila kg 50 ta'e, (Jiboo) jedhamuun miila isaa lamaan walitti hidhan. Gidduu miila lamaanii ammoo..... sibiila Amartii fakkaatu (xiqirtii) kan jedhamu loosanii miilasaa nyaachisaa turan. Ulfaatina isaarraa kan ka'e Jiboo kana ittiin socho'uun rakkisnaan, mormasaan irraa deeggaruuf jecha, finyoo mormatti hidhatee irraa ittiin ol harkisaa jiraate. Haa ta'u malee sibiilli kun miila isaa waan miidhef hanga har'aattillee ni okkola. Baay'ee socho'uu hin danda'u. Kaan naaffisanii, kaan kolaasanii, kaan ajjeesanii barabaraan Oromootti wal furaa turan. Inni isaan hanqatee har'as wayyaaneen Kaffiyaaloo Tafarraa miila irraa murtee godaannisa kalee sabatti deebiste.

Asaffaan mana hidhaa erga galees sabasaaf yaaduu, waan gaarii hojjachuu, hiyyeessaaf quuqamuu hin dhiisne. Mana hidhaa Fiichee

keessattis, osuma sibiila kg 50 kanaan miilli isaa walitti hidhamee jiruu, biqiltuu harbuu dhagaa jalatti biqiltee jirtu tokko argee, dhagaa jalaa fuudhee iddoo biroo dhaabuun kunuunsuu eegale.

Waan biqiltuu kana dhaabe qofaaf, Shaalaqaa Zawudee kan jedhamu, ajajaa olaanaan "Maaf dhaabde? Eenyutu dhaabi siin jedhe? Eenyutu siif eyyame.....?" jechuun harka hafes itti dabalee harki isaa lamaanuu, akka hidhamu taasise. Ciibsanii bishaan qorraas itti naq ture. Harkiifi miilli lachuu erga hidhamee booda Asaffaan akkatti socho'u dhabee cinaachan lafarra foqoqaa ture. Kana qofa osoo hin taane, sababuma kanaan lafa jalatti dukkana keessatti, akka hidhamu taasifame.

Biqiltuu waan dhaabeef qofa adabame. Dhuguma kaayyoon mootummoota darbanii nama qofa mitii qilleensa Oromiyaallee kolaasuu ture. Mukti harbuu Asaffaan dhaabe, sun carra qabeessa ta'ee, seexaan guddatee har'a illee oddoo mana hidhaa Fiichee keessatti "Harbuu Asaffaa Shaaroo Lammii" jedhamuun waamama.

Asaffaa fi Agarii Tulluu garaagarummaa torban tokkootti qabaman. Yeroo Agarii fi obboleewwan isaa goototni Salaalee shiraan fannifaman Agariin Asaffaatti nagaa dhaammatee ture. "Nagaatti kaa ani hiikkamee" jedheen. Agarii fi obboleewwan Lamaan Agarii dabaan warri sanyii balleessan gara jabeeyyiin Hayilasillaasee fannisan. Asaffaan haaloo Agarii kana bahuuf xiiqii qabatee lolaaf of qopheesse. Garuu kan yaade osoo hin milkaa'iniif hafee....., innuu qabamee mana hidhaa galuun dabareen fannoo itti aanu kan isaa ta'uuf qoqophaa'ame.

Asaffaan bara 1961-1969 waggaa Sagaliif mana hidhaa ture. Bara 1965 bilisa bahu garuu, osoo hin turin ennasuma mana hidhaatti deebi'e. Bara kana dabareen Agarii isa geessee murtiin du'aa itti mur

taa'ee akka ajjeefamuuf hunduu dhiyaate. Bishaan danfaa keessa cuuphanii affeelanii ajjeesuuf bishaan danfaan Baarmeeliin dhiyaate. Sana booda du'aa isaa fannisanii uummataan sodaachisuuf Wadaroo fi muka itti fannisanis fidan. Abbaan Asaffaa Lammiin erga qabamee aoukaatoo ilma isaaf ta'ee....., halkanii guyyaa dhaabbateef. Ol iyyannoo dhumaas fudhatee guyyaa fannoo Asaffaa beellama dheereffachiise. Uummatni Salaalees kana ibsuuf gootichaaf akkas jedhanii sirbaniif.

*Motobiliin laga hin buluu
Yoo katamaa taatee malee
Gosti ofii nama hin kennuu
Gosa ormaa taatee malee*

*Oggaa dagalee guuranii
Mana ijaaranan se'ee
Oggaa Barmeelii fidanii
Bishaan waraabanana se'ee*

*Oggaa Wadaroo fidanii
Farda sakaalanana se'ee*

Asee yaa kormakoo..... jechuun ibsatan.

Asaffaan calcala Jiboo kg 50 miilarratti baatee mana hidhaatti deebi'e. Yeroo kana warri isa ajjeesuuf barmeelii fidan Asaffaa miilli isaa hidhaa jiraa.....; maaliin nu tuqa jechuun "Siif goone kaa" jedhanii itti qoosuu eegalan. Asaffaan suuta jedhee ulee gabaabduu ilaallatee calalaan akkuma hidhamee jirutti utaalee akka culullee irra bu'e. Sagal mirgatti, kudhan bitaatti gogombise. Namoota kudha sagal tarree galchee ciciibse. Warri hafan murtii malee ajjeesuun hin danda'amu waan ta'eef....., reebicha cimaa reebaa mana hidhaatti ol darbatan. Badiin isaa kan durii caalaa amma ture. Abbaan Asaffaa Lammiin malaammaltummaan qarshii kennee mana hidhaatii ilma

isaa baasuufis yaalee ture. Asaffaan garuu gootni yoo du'es, du'a hin oolu jechuun, abbaa isaan "Matta'aa hin kennin. Yoo diddee kennite ammoo asii baheen siif godha" jechuun abbaa isaas dhoorke. Dokumentarii seenaa Asaffaa Shaaroo Lammii (DHRTVO, 2006),

Abbaan murtii, murtii dhumaas Asaffaa irratti kennuuf amma gara biraatii dhufee jira. Gochaa Asaffaan lukkeele Hayilasillaasee 19 irratti taasisa kana yeroo dhagahu ennasuma halluu diimaa addarratti dibe abbaan murtichaa. Kana jechuun yaa ajjeefamu jechuudha. Yeroo kana Asaffaan "Gaaffiin qaba" jedhe. Abbaan murtichaa gaaffii homaatuu akka irraa hin fuudhamne jala sararee hime. Yaa ta'u malee, ajajaan dhibbaa achi jiru tokko akka gaaffiin irraa fuudhamu waan gaafateef, gaaffiin Asaffaa irraa fuudhame. Asaffaanis, "Ani silaa calala hangana guddatu kanaan miila hidhamee jiraa akkamiin socho'ee namoota 19 kana gogombisuu danda'a.....?" jedhee gaafate.

Abbaan murtichaas "Hangam ittiin hidhamte?" jedhee deebiseef. "Waggaa Shan" kan jedhu ture deebiiin Asaffaa. "Dhugumaa?" "Eeyyee dhuguma" jechuun ragaan ragameef. Yeroo kana abbaan murtichaa halluu diimaa adda isaatti dibe irraa haqe. Gootichaafi ummata Oromoottis qalbiin deebite. Haa ta'u malee, hidhaatti deebi'ee ergasiis mana hidhaatti waggaa 4 f jireenya lafa jalaa..... dukkana dhamdhamaa jiraate.

Asaffaan hidhaa lafa jalaattis erga jireenya ho'ifatee booda, bineensota gubbaa qofa osoo hin taane bineensota lafa jalaanis, dararaan itti hammaachaa dhufe. Guyyootii danuun yaa turuu, guyyaa tokko qofa halkan tokkoon hantuutni itti raphatanii rifeensa mataa irraa fixan. Innis ciisee jiraatti nyaatamee du'uurra jedhee hantuuta sagal harkaan macalaqsee ofirratti ajjeese. Iddoon inni itti hidhamee jiru kun, lafa dukkanaa garasii garanni daagaa waan ta'eef, raammoo fi hantuutni gofti hortee godhatanii jiru. Halkan sururtichi bari'uuf turus seera

uumaatu caba waan ta'eef, akka buluttis bulu ni bariitef. Akka bari'eenis iyyee Shaalaqaa Zawudee waamsifate. Shaalaqichis dhufee karra jalaa bane.

Asaffaan hafuura xiiqii fi dallansuun "As hiiqi mee. As koottu" jedhee ofitti yaame. Harkaa fi miila hidhamee jira waan ta'eef utaalee akka hin ciniinne waan beekuuf itti hiiqee "Maali? Maal taate?" Jedheen shaalaqichis. Osoo dirqamni hin qabne ta'ee, Asaffaa onneesaa sanyii Salaaleetu beeka. Asaffaan deebiseefii "Kan si caalutu na argate" jedheen. Shaalaqichis "Kan na caalu maali" jedhe sagalee oori'uun itti hiiqee. "Kunoo lafa ilaali kaa kan si caalu" jedhe gootichi. Hantuuta duddu'ee lafa ciciisu argee "Ahaa! Hantuutatu na caalaa?" jedhee iccitii dubbiisaa hubatee hidhaatti deebisee, guyyaa shaniif....., buddeena akka dhoorkatamu taasise.

Biyyee of jalaa qotee siphachaa guyyoota Shaniif lubbuu isaa turse gootichi abbaa hiyyeessaa guyyaan qabnaan. Haadha manaa Asaffaa Shaaroo Lammii aadde Tsiggee fi maatiisaa sababa isaan ganamaa galgala reebichi itti hammaate. Da'araan dabaree irratti wal fure. Aadde Tsiggee abbaa manaa kee fidi jechuun reebichaan ilkaanis irraa fixan.

Mana hidhaa Fiicheetti waggaa sagal fixee erga ba'ee booda gara qe'ee isaa ganda Dhaayee Sillaaseetti deebi'ee jireenya isaa itti fufuu eegale. Har'a maanguddoo umrii 82 kan ta'e, Asaffaan sababa miidhaa miilaa isaan mana hidhaatti sibiila Jiboon irra gaheefi rasaasan rukutamee lafeen miila isaa miidhameef akka fedhii isaatti hojjatee jireenya isaa gaggeessuu hin dandeenye.

Kana qofas osoo hin taane, iji isaas dhukkubbiin arguu dadhabdee baay'ee rakkachaa akka jiruu fi manuma yaalaa illee deemee yaalamuu akka rakkate dubbata. Qabeenya ofii abbaadhumatu kunuunfata waan ta'eef, oolmaa inni ummatasaaf oole yaadachuun gargaarsa barbaachisaa gochuufin ilmaan Oromoo ilaallata.

5. Kaffaaloo Darrasaa /Tafarraa/ (1975-...)



"Miila koo saba koof"

Bosona gaara guddaa irra jiru, isa hurrumni isaa hammaate, mukkeen xixiqqaa fi gurguddaan gosa gosaan wal suphanii iccitii walii walitti hasaasan, calleensi isaa gab.... jedhee jiru keessa taa'i. Shokokiin tokko hin dhagahamu. Mukkeen sagalee hin dhaga'amneen akka uumama

isaanitti walitti hasaasu. Isaanif jireenya. Xiqqaanis, guddaanis seera qabu. Seera ittiin bulmaataa! Seera sanatti fayyadamaniit wal utubanii fuudhanii dhalootaaf wal laatu.....

Atimmoo afaan isaan dubbatan kana wallaaltee, naannoon kee calleensaan guutamee cal jettee teessa. Ija taajjabii qofa asii fi achi ergita. Homtuu hin dhaga'amu. Yaaddoo guddaan si weeraree jira. Duuba deebi'i..... addunyaa tana guutuu kan kee taasisii Barruu harka kee keessatti ukkaamsii qabi. Sana booda harka kee keessatti ilaalaa taajjabi. Saxaxa ishee baasi. Gidiraa isheen baattee adeemtu sakatta'i. Dachee gidiraan irratti wal hore, dachee rakkinoota walxaxaa namtolchee baattee adeemtu. Isa abbaan aangoo dachee irraa aangoo isaatti fayyadamee lubbuu namaa balleessu. Isa garaa jabaatee haadha fi abbaa ofii qalu. Isa saba isaarraa harka, miila, harma ciru. Dachee gara jabummaan irratti wal utube. Isa namummaan bineensummaatti bifa jijjiirratee, ofii jiraachuuf jecha lubbuu isaa baatee adeemu, kan isa biroo immoo balleessuu seera uumaa godhate.

Hoodadhe!..... hoodadhaa!..... hoodadhu!..... hoodadhu! Uumaa Waaqayyoo biratti, bara jireenyaa keetti cubbuuwwan dachii kanarratti hammaarteef, adabbii kutaa "Si'oolitii" cuunfatta. Aangoo kana gochuu danda'uu kan qabu, Waaqayyoon qofaadha. Haalli kun waan isaanii hin danda'amneef, warri garaa jabeeyyiin Si'oolii nama itti gidirsan, "Si'oolii namtolchee" dachee gubbaatti hojjatatan. Hoodadhe!.... hoodadhaa!.... hoodadhu! Kaffaaloo Tafarraas Si'oolii tanatu qaqqabe. Waggaa 12 f dirree irratti dhalate irratti Wayyaaneedhaan gidirfame. Mana hidhaatti qaaceffame. Ni reebame. Miilatu irraa cite. Dararaa si'oolii namtolcheetu itti wal fure. Hoodadhe!..... hoodadhaa!.... hoodadhu!.....

Kaffaaloan abbaasaa obbo Darrasaa Wadaajoo fi haadhasaa aadde Bijjoo Abdiisaa irraa Amajjii 2, bara 1975 tti, Oromiyaa lixaa godina Horroo Guduruu wallaggaa, aanaa Jimmaa Gannatii, ganda Gidaamii

Dabshoo araddaa Gidaamiitti gosa Oromoo Mashakkil jedhamurraa dhalate. Obboleewwan kudhan wajjiin kan dhalate yoo ta'u, abbaansaa haadha warraa lama qabu. Maqaan abbaasaa Tafarraa osoo hin taane..., Darrasaa Wadaajoo jedhamu. Haà ta'u malee, Kaffaaloo Tafarraa jedhamuun beekama. Tafarraan obboleessa isaa yoo ta'u, yeroo jalqaba mana barumsaa galu, obboleessisaa kun maqaa isaatiin galmeessee waan tureef, achumaan Kaffaaloo Tafarraa jedhamee hafe.

Obbo Darrasaa Wadaajoo abbaa Kaffaaloo, ilmi isaan gidiraan mana hidhaatti darbatameera. Hidhaa qofas osoo hin taane, rasaasni fi meeshaan miilan muranis irratti wal gahee miilli isaa irraa kutame. Dararaa fi reebichi itti wal fure. Ilma isaa sababa tokko malee balaan akkasii irra ga'e gaaffaachuuf, imimmaan garaa dhalaa abbummaa harcaasaa gara Qaallitti qajeele. Milkaa'ee, ilma isaa bira gahee, "Akkam ilmakoo? Jiruun mana warra Qaallittii hoo....? Jiruun miila malee jiraachuu hoo.... akkami?. Maal rakkatte? Maal siif godhu?" jedhee garaa abbummaa gaafachuuf carraa hin arganne. Abbaa fi ilmi halaalatti addaan dhoorkamanii, halaalaa harka walitti qabaa.... imimmaan harcaasaa..... wal ilaalaa turan. Dirqamni garaa walitti jabeessee osuma ijjiisaanii of duuban gaggaragaltee garaa roora'een wal mil'atan, addaan fagaatan. Iccitii fi dhukkubbii keessa isaanii walitti hin himanne. Obbo Darrasaan keessi isaa itti dukkanaa'ee, osoo imimmaan harcaasu..... garaa duuba gara qe'esaa Horroo Guduruu Wallaggaatti imale.

Garaan ciisa dhabee, osoo ciniinsifatu, halkanii fi guyyaa haalli imlisaa itti jiru, fuuldura isaa osoo dhaabbatu, miila ilmasaa cite lamaan osoo yaadu, yaadan of guggube. Ammas ijji isaa yeroo coba imimmaaniin qooruu dhabdu, ilma isaa gaaffachuuf yeroo lammaffaaf, galaa isaa qabatee gara Qaallittii qajeele. Har'a ilmasaa ijaan argee, iccitiisaa irraa bare. Iccitii gaarii miti. Iccitii gurratti hin tolle. Miilli ilmasaa lachuu manaa nagaan bahe, irra hin jiru. Bifti ilmasaa inni beeku

jijjiirrameera. Murtiin gara fuula duraatti itti kennamu sodaachisaadha. Iccitiin walumaagalatti gola Qaallittii san keessa jiru sammuusaa weerare. Afaan itti banee nyaachuuf ka'e. Ilmasaatti nagaa dhaammatee osoo hin dubbatin imimmaan harcaasaa sokke.

Abbaan dhiiraa obbo Darrasaa Wadaajoo hin milkoofne. Halkanii guyyaa haala ilma isaa santu gurrarraa iyya. Gidiraa santu fuuldura ijasaa deema..... yaadni nyaatee, waxalee fixe. Sababuma ilma isaa kanarraa ka'een, carraa ilmasaa yeroo Sadaffaa deebi'ee gaaffatu osoo hin argatin, rifaatuu irraa hafuu dadhabee, Fulbaana 3, bara 2001 dachee gidiramtuu kanatti nagaa osoo hin dhaammatin sokke. Kaffaaloo fi abbaansaa obbo Darrasaan carraa sana booda deebi'anii wal arguu hin qabaanne. Ilmarratti gocha suukaneessaa hojjachuun maatii xiinsammuu xuqanii fixan warri gara jabeeyyin. Kun sanyii duguuggiif karoora baafameedha.

Kaffaaloona maatii qonnaan bulaarraa waan dhalateef umriisaa daa'imummaatti jabbilee tiksaa....., kubbaa huccuu moofaarraa hodhuun taphachaa, araaddaadhuma kanarratti akka guddate ni hima. Akkasumas, ijoollummaasaatti nama boo'uu hin jaallannee fi amma garuu, salphaadhumatti imimmaan qabachuu akka hin dandeenye dubbata. Ijoollummaasaatti sirboota warraaqsaa fi geerarsaa jaallata. Bara 1984 yeroo umriin isaa barnootaf gahutti Mana Barumsaa sadarkaa 1ffaa Haratoo Aanaa Jimmaa Gannatii galuun barnootasaa kutaa 1-6 achumatti xumure. Kutaa 6ffaa akka xumureen kutaa 7ffaa barachuuf gara Mana Barumsaa sadarkaa 1ffaa "Shaambuu" imale. Kutaa 7 fi 8 achumatti xumuruun, kutaa 9-12 ammoo Mana Barumsaa Shaambuu sadarkaa 2ffaa tti goolabe.

Kaffaaloona kutaa 1-9 tti barnoota isaan cimaa fi sadarkaa nama qabu ture. Yeroo jalqabaaf akka gara dirree siyaasaa seenuuf kan dirqamsiise keessaa tokko, fincila bara 1992 tti sababa "Gubachuu bosona Baalee" n ka'e akka ta'e dubbata. Yeroo Bosonni Baalee gubate

barataa kutaa 9ffaa ta'ee osoo jiruu mana barumsaarraa qabamuun torban lama yookaan guyyoota 14f barnootasaarraa sababa kanaan hidhamee ture. Hiriira yeroo sana gaggeeffamaa tureen barattoonni 4-6 ta'an rasaasa loltootni mootummaa isaanitti dhukaasaniin biraa wareegamiiru. Ijoolleen baay'een dhuman; qaamaa miidhaman; miilli isaaniiirraa cite. Barattoonni isa biraa wareegamuun, gubachuun bosona Baalee fi barsiisonnisaa biraa hidhamuun ittuu akka qabsoo finiinsu isa kakaase. Keessattuu barsiisotasaa isa kakaasaa turan, B/saa Daggafaa (Seenaa), B/saa Balaay Iddeessaa fi B/saa Faantaa barsiisota Afaan Oromoo barsiisanii fi Abbaa Qabeenyaa hoteela "Daawudee" jedhamu yeroo sana magaalaa Shaambuutti argamu haalaan akkaataafi tooftaawwan qabsoo akka barsiisan Kaffaaloona har'a ni dubbata.

Bara 1992 kaasee mana barnootaasaatti wareegamoonni gurguddoon kaffalamaa turan. Yeroo kana keessatti Kaffaaloona naannoo sanarraa baqachaa, mana barnootaa hanga Baatii tokkoo addaan kutaa....osooma itti deddeebi'uu bara 1995 kutaa 12ffaa xumure. Qorumsa kutaa 12ffaa qabxii giddu galeessaa fiduun bara 1996 Yuunivarsiitii Hawaasaatti Muummee Saayinsii Biqilootaa[plant science] galuun barnootasaa itti fufe. Bara 1997 sababa Teessoon Mootummaa Naannoo Oromiyaa Finfinneerraa gara Adaamaatti jijjiiramu qaba jedhamee diddaa Oromiyaa guutuu keessatti ta'een barnoota isaarraa waggaa tokkoof adabame.

Sana duratti doorsifni adda addaa afaanii fi barreeffamaan kennamaafii ture. Gaaffiiwwan bara sanaa keessaa Finfinneen kan Oromooti. Teessoon mootummaa Naannoo Oromiyaa Finfinneedha malee Adaamaa mitii fi OPDO'n Oromoo bakka hin buutu....., gaaffiiwwan jedhaman isaan gurguddoodha. Bara kana sababoota diddaa gabrummaa lafa keenyarraa hin buqqaanu. Teessoon Mootummaa Naannoo Oromiyaa Adaamaa ta'uu hin qabu, fi kkf..... jedhamee falmii guddaan taasifameef gootota ilmaan Oromoo hedduutu lubbuu ofii itti dhabe. Jaagamaa Badhaanee sababa kanaan 1998 rasaasan ajjeeffame. Alamaayyoo Garbaa sababa kanaan

Qaallittii mana hidhaa keessatti, iddoo ciisutti rasaasa wayyaaneen wareegame. Gaaddisaa Hirphaasaa uleen reebamee ajjeefame.

Kaffaaloona haaluma kanaan barnootasaa Yuunivarsiitiirraa waggaa tokkoof ari'amee ture. Turtiisaa fixatee Fulbaana, 3 bara 1999 tti gara barnootaatti deebi'uuf jala yoo ga'u, Finfinnee "Kaarraa Qoree" tti hiriyootasaa waliin deemaa osoo jiruu waraanni mootummaa Itoophiyaa dhukaasa irratti baneen, hiriyoonnisaa danuun biraa yoo du'an; isa dabalatee walakkaan immoo balaa cimaan irra ga'e. Dhukaasni kan itti baname Finfinnee naannoo jedhame kanatti osoo gara hiriyaasaa "Abdurhamaan Wayyoo" adeemuti. Abdurraamaan Wayyoo Saayinsii Kompuuteraan barnoota isaa xumuree, hojii dhuunfaasaa daldalarratti bobba'ee osoo jiru, naannoo dukaana isaatti dhukaasa itti banuun achuma dukaana isaa keessatti ajjeefame. Reeffisaallee akka malee ciccituun akka cirrachaa lafarra faca'e. "Wandasan Wandimmuus" hiriyaasaa battaluma sanatti dhukaasa irratti banameen du'eedha. Hiriyaansaa tokko immoo "Abiyoot Alamaayyoo" jedhamu jalaa figuun akka carraa lubbuusaa oolfateera. Lubbuun guyyuma teesseef qabdiif malee hundumasaaniittuu dhukaasni qixuma baname. "Qabsaa'aniif hin du'an; qabsoo dhiisaniif du'a hin hafan," akkuma jedhamuudha.

Kaffaaloona akkuma naannoo sana ga'aniin waraanni daandii gubbaa bakka qabatee dhaabbataa akka jiru argus, buufanni waraanaa naannoo sana waan jiruuf nu barbaadu jedhee hin shakkine. Dhukaasni isaan irratti baname sagalee qawwee fi boombii akka ta'e, Kaffaaloona ni dubbata. Yeroo achii kaafamee fudhatamee deemu Kaffaaloona of hin beeku. Gaggabeera. Har'a yoo dubbatu "Sagalee iyya meeshaa waraanaa cimaa akka ta'ee fi Siim kaardii kiyya caccabsee yoon gatu malee, achii booda waanan ta'e hin beeku. Hundi isaayyuu akka waan abjuu wayii natti fakkaata" jedha. Hiriyaasaa Kafanii Gabbisaa jedhamu isa waliin lubbuun hafan wajjiin fuudhanii mana yaalaa 'police hospital' Finfinnee kutaa magaalaa "Lidataa" galchan.

Kaffaaloona yoo achi seenu of hin beeku. Rasaasni miila isaa rukutuu xiqqoo xiqqoo yaadata. Yeroo sana sagalee meeshaa gurguddaatu dhaga'amaa ture. Miilasaa gara bitaa naannoo jilbaa rukutuun baay'ee caccabsuun hojiin ala taasisaniiru. Miillisaa inni mirgaa baay'ee hin rukutamne ture. Rasaasaan koronyoosaarra rukutame. Garuu, baay'ee hin miidhamne ture. Kafanii Gabbisaa achuma hospitaalatti du'e.

Kaffaaloondhaan ergasii "Bilbila kee maaf caccabsite?" jechuun suur sagalee yeroo sana waraaban itti agarsiisuun reebaa turan. Miillisaa rasaasan waadame. Ittis dabalani reebicha kana hin jedhamne itti hammeessan. Gara jabummaa akkasii ilma namaa irratti raawwatan. Miilasaa caccabee hojiin ala ta'e, dhiisuun, kan baay'ee hin madoofne salphaatti fayyuu danda'u "Jilbaa gaditti" gara jabummaa dhalli namaa hin agarsiifne irratti agarsiisanii yeroo 1ffaaf irraa kutan. Isaan "Hospitaala Leenca Gurraachaa si galchineerra" ittiin jechuun miilasaa isa rasaasan hubamee jirus, itti dabalani miila lachuu irraa kutan. Miilli Mirgaa isaa garuu miidhama cimaa waan hin qabneef, salphaatti fayyuu danda'a ture jedha. Warri gara jabeeyyiin..., warri sanyii duguuggaa fi dararaa ilmaan Oromoo irratti keeyyata iccitii baafatan, garuu saffisanii dursuun miilicha hubaatii hin qabne irraa muran. Kaffaaloona garuu Hospitaala poolisii naannawa Lidataa jirutti of arge. Ammas irra deebiin miila lachuu yeroo 2ffaaf itti dabalani "Jilbarratti" irraa kutan.

Yoo inni "Narraa hin kutinaa!" jedhee dubbachuuf yaalu, dawa nama hadoochee raffisu, waraananii adoochuun 'Guluukoosii' kennuuf turan. Yeroo inni of baree ka'u miillumasaa cite arga. Ammas irra deebiin yeroo 3ffaa f miilasaa ol butuun Jilbaa ol Sarbaa gara olii irratti ol hiiksani irraa kutan. Kun gara jabummaa qofa osoo hin taane, bineensummaadha. Bineensuu si nyaata malee akkasitti namatti hin taphatu. Dhala namaatu nama akkas godha jechuun baay'ee nama rakkisa.

Namni kamuu osoo yakka akkamii raawwateeyyuu adaba akkasii adabamuun addunyaa kam keessayyuu jira jechuun nama rakkisa. Miila tokkicha al Sadiitti deebi'uun bakka Sadiitti akka raafuu namarraa ciruun gocha dhala namaatii.....? Kun hundi kan raawwatame ammoo fedhasaa maleeti. Miillisaa irraa cituudhaaf yoon ogeessa Seeraa fi ogeessa fayyaa ta'uu baadhellee, inni mallatteessuu qaba. Yoo kan inni sadarkaa kanaaf hin dandeenye ta'e immoo, firri isaa mallatteessuu qaba ture. Biyya kamuu keessatti gochi akkasii dhala namaarratti hin raawwatamne. Gochoonni kun marti kan ta'an turtii "Baatii tokkoo fi Torban Lamaa" keessatti. Kun irratti raawwatamee erga jedhee gara mana hiraarsaa Oromoo giddu galeessaa Maa'ikalaawwiitti geessan. Dhumtisaanii fi Dhallisaanii maal ta'u laata.....?

Akkuma Maa'ikalaawwii geessaniin reebicha hamaa irratti gaggeessan. Miillasaa madaa keessa reebuun akka malee dhiigsan. Qabduu[piinsaan] madaasaa qabuun harkisanii hiraarsaa dhiiga akka malee keessaa dhangalaasan. Dhiigni baay'een waan keessaa dhangala'ee dhaabbachuu dideef ammas fakkeessuuf bariituusaa gara mana yaalaatti fudhatan. Dhiigni isaa baay'ee waan dhangala'eef dhiiga fudhachaa erga turee torban tokkoo booda gara Maa'ikalaawwiitti deebisuun gidirsuu itti fufan. Achi keessatti Baatii Ja'aaf reebicha gosa addaa addaan reebame. Al tokko ni fannisu, fannoorraa buusaniimmoo teessoo[table] irra ciibsuun dhiisu. Achii xiqqoo turuun immoo ammas fannisuun reebicha hamaa dhalli namaa ittiin hin ibsamneen reebame. Maa'ikalaawwii keessatti Baatiiwwan ja'aaf osoo namatti hin dabalam tursiisan. Baatii torbaffaa gara dhumaatti mana sanaa baasuun gara mana hidhaa biraa kutaa tokko keessatti altokko nama sadiin, altokko nama shan, lamas ta'uun hidhame.

Balballi osoo irraa hin banamiin oolee waan buluuf dhumarratti "Kaffaaloo biftisaa Keelloo" ta'e. Halkan mana fincaanii si geessina,

jechuun fuudhanii baasanii Sa'aatii 8:00 tti Simintoorratti darbatanii reebaa, kuffisaa itti taphatan. Kaffaaloona nama miilli lachuu irraa cite waan ta'eef....., akka barbaadanitti itti taphatan. Kaalsii kophee baay'ee ajaa'u baasanii afaansaatti kaa'u. Keessumaa achi keessatti gochi shamarran irratti raawwatamu gocha cigaasisaadha. Shamarran huccuu irraa yaasuun qullaa akka dhalatanitti dhaabuun itti taphatu. Qullaasaanii lafa teessisanii, ofii isaaniimmoo itti naanna'anii itti kolfuun xiinsammuu tuqu. Qullaasaanii akka dhalatanitti fannisu. Gochi achi keessatti raawwatamu gochuuf mitii, dubbatanii ibsuufuu ni ulfaata. Namni nama ta'ee beeyladarraa adda ba'ee mana jiraatu; midhaan nyaatu dhala namaa mitii bineensa akkas hin godhu. Maalummaa namoota kanneenii tilmaamuun nama hin rakkisu.....; nama jechuufis afaanitti si danqata. Nama ta'ee namni dubartiirraa dhalatee dubartii akkas gochuu mitii ija hamtuun ilaaluun irra hin jiru ture. Oromoon kanaaf safuu qaba.

Oromoo mitii sabni addunyaa kanarraa kan akkanaa jira jechuun ni ulfaata. Mootummaa abbaa irree ta'us...., kan akkanaa tasumaa jira hin fakkaatu. Sirna dullooma dhaloota horee of jalaa hin qabne; bututaadha. Har'ammoo bor kufaansaa kan hin beekamne muka hallayyaa gubbaati. Kaffaaloorratti reebicha kanneen yoo raawwatan wantootni isaan gaafatan;

- Meeshaa waraanaa biyya alaatii biyya keessa galchita
- Miseensa dhaaba ABO ti
- Biyya keessatti miseensa[caasaa] ABO ijaarta
- Meeshaa waraanaa dhukaasta
- Dargaggoota gara bosonaatti ergita

Gaaffiiwwan jedhaniin reebaa turan. Kaffaaloona garuu meeshaa waraanaa biyya alaatii galchuu fi dhukaasuun achi yaa hafuu, leenjii meeshaa waraanaa dhukaasuu akka hin qabne dubbata. Kana malees, dararaa jibbisiisaan dhala namaaf hin yaadamne irratti raawwatame.

Bakkeewwan sodaachisoo ta'anitti geessuun boolla keessa galchuun qawwee fi shugguxii afaansaa keessa galchanii doorsisaa turan. Turtii baatii 8 booda Mana Murtii Olaanaa Dhaddacha 2ffaa tti dhiyaate. Kaffaaloona dhaddacha kanarrattis miilasaa citee akka malee madaa'ee jiru,.... mana murtiitti agarsiisuun "Osoon yakka tokko hin qabaatiin gochi dhala namaarratti hin raawwatamne narratti raawwatameera; mirgi wabii akka naaf eegamu" jedhee gaafate. Haa ta'u malee, manni murtii akka itti qoosetti gaaffisaa mirga wabii bira darbe. Kaffaaloorratti yakkatu hojjatame malee, Kaffaaloona yakka tokko hin hojjanne. Kan Kaffaaloona himachuu malee abbaan alangaa himatee, mirgi wabiiis dhoowwatame. Kaffaaloona mirgi namummaa isaa yaa hafuu mirgi dimookiraasiisaa akka jirutti irraa mulqame. Biyya waan hojiin hin jirre....., afaaniin lallaban keessatti mirgi namaa ni eegama....., jechuun dhara adiidha. Mootummaan Wayyaanee namoota jajjaboo akka Kaffaaloona harkaa fi miila irraa ciree, kaan sammuu fuudhee akka maraatan taasisaa ture.

Guyyaa kana beellama guyyaa 14 irratti qabuun "Abukaatoon mootummaa moo dhuunfaadhaan siif haa dhaabbatu?" jedhanii gaafatan. Kaffaaloona murtii isaan murteessan waan beekuuf abukaatoon dhaabsifachuu hin barbaanne ture. Haa ta'u malee, abukaatoon seeraa maatiinsaa dhaabaniifii turan. Beellamni isaanii xiqqaan ji'a 6 fi guddaan waggaa tokkoon mana murtiitti deddeebi'aa ture.

Haaluma kanaan turtii waggaa Afurii booda abbaan alangaa "Murtiin du'aa" akka itti kennamu mana murtii gaafate. Kaffaaloona yakka raawwate tokkollee akka hin qabne dubbata. Haa ta'uyyuu malee, himata sobaa abbaan alangaa irratti qindeesseen ragaan barreeffamaa fi jechi namaa waan tokko irratti hin dhiyaanne. Ragaa tokko malee abbaan alangaa murtii du'aa irratti gaafate. Kun seerummaa fi namummaa irratti kan hundaa'e osoo hin ta'iin diinummaa guddaa fi bineensummaadha. Abbootiin seeraa "Umuriisaa fi seenaa isaa

kaleessaa, bor baratee biyya kanaaf bu'aa buusa jechuun erga ilaalee booda....., murtii umurii guutuu murteessineerra" jechuun murtii qaanfachiisaa kana nama nagaarratti dabarsan. Abbaan murtii fi abbaan alangaa tokko ta'an. Haqni mana kamitti haa ilaalamuree? Waaqa qofa yoo ta'e malee, mootummaan Wayyaanee haqa hin beeku; hin hojjatus. Mootummaa walqixxummaa sabaaf sablammiilee jechaa....., sabaaf sablammoota walitti diinomsu. Mootummaa lammiin hundi barachuu qaba jechaa dargaggoota ciccimoo akka Kaffaaloona mana barumsaattii yaamee ajjeesu, hidhuu fi dararaa hamaa irraan ga'uu dha. Dimokiraasii maqaa jettu ummatatti weeddisaa afaan qawween mootummaan Wayyaanee waggoota hedduuf uummata bilisummaa dheebachaa jiraatu cabsee bulchaa ture.

Erga manni murtii olaanaa hidhaa umurii guutuu itti murteesseen booda, Kaffaaloona ol iyyata mana murtii waliigalaa Kiiloo 6 jirutti fudhate. Piresidaantii mana murtii waliigalaa kan yeroo san ture biratti jechuudha. Pirazidaantiin mana murtii waliigalaa kun erga, Dr.Abiyyi Muummicha Ministeeraa biyyattii ta'ee booda irraa kaafame. Mootummaa Itoophiyaa murna bicuu wayyaaneen durfamtu biratti namoonni dabaa fi shira siyaasaa xaxuu danda'an muudama gurguddaa fi bakka ijoo ta'etti muudamu. Namoonni dandeettii fi ofitti amanamummaa qaban mootummaa kana biratti balaaleffatamaa jiraatu.

Mana murtii kanatti jecha 27 qabna ni dhiyeessina jedhan. Ragaan barreeffamaan dhiyaates tokko hin jiru. Abbaan seeraa Daanyee Malaakuu jedhamu "Nama kanatti ragaa malee akkamitti murteessitan? Ragaan tokko irra hin jiru" jechuun abbaa alangaa gaafatee ture. Abbaan Alangaas "Dogoggoraan jechi 27 mana murtii olaanaatti osoo wal hin qabatin hafe" jechuun mana murtii waliigalaaf deebii kenne. Dogoggoraan.....? Lubbuu namaatti itti yaadanii murteessan.

Kaffaaloonis, “Ragaa fi yakka tokko maleen hidhame. Gochi suukkanneessaanis narratti raawwate” jechuun himate. Abbaan seeraa “Ragaa malee akkamitti itti murteessina?” jedhee abbaa alangaa gaafate. Abbaan Alangaas deebisee “Kanumaan naaf yaa mirkanaa’u” jedhe. Diinummaan kana caalu hin jiru. Achii booda dhimma kana qulqulleessuuf jecha beellama baatii tokkoo fi torban lamaa itti qabatan.

Guyyaa beellamni baatii tokkoo fi torban lamaa gahee, Kaffaaloona mana murtii olaanaa kanatti yoo deebi’u, “Galmeen kee badeera,” jechuun ammas beellama torban lamaa irratti qabatan. Ammas abbaan seeraa Daanyee Malaakuu “Himatamaa kanarratti ragaa dhiyeessitu taanaan dhiyeessaa; kanaan achi bilisaan gadi lakkifna” jedhee abbaa alangaa jala sararee itti hime. Abbaan alangaa garuu “Ragaa argachuu hin dandeenyee sanumaan itti naaf yaa mirkanaa’u” jedhe. Ragaan hin jiru ture. Ammas beellama biraa irratti erga fudhatanii booda osoo beellamnisaa hin ga’iin manni murtii Kaffaaloona yaamee “Osoo mirga wabii siif kenninee wabii dhiyeeffachuu ni dandeessaa?” jedhanii gaafatan. Kaffaaloonis “Fira nan qaba; dhiyeeffachuu nan danda’a” jedhe. Itti dabaluu “Maallaqa dhiyeeffachuu ni dandeessaa?” jedhan. Kaffaaloonis “Maallaqa guddaa taanaan dhiyeeffachuu hin danda’u” jedhe. Guyyaa kana gaaffii kana erga gaafatanii booda homaa osoo ittiin hin jedhiin Kaffaaloona gaggeessan. Beellama isaa itti aanutti abbaan seeraa dubartii Dastaa jedhamtu “Himatamaa kanarratti abbaan alangaa sababa hin beekamneen ragaa dhiyeessuuf eeyyamamaa waan hin taaneef, yeroo sanatti poolisiin himatamaa kana qorataa ture..... dirqama dhiyaachuun jecha 27 himatamaa kanaa akka dhiyeessu ajaja kennineerra.” jette.

Kanaan dura Kaffaaloorra ragaan tokko akka hin jirre....., manni murtii deddeebi’ee dubbachaa waan tureef abukaatoon isaa akka Kaffaaloona ba’utti amanee jira. Dabalataan hiriyootni fi hawaasni

mana hidhaa keessaa hundi isaanii akka inni ba’utti gammachuusaanii ibsatanii gaggeessanii turan. Guyyaa kana garuu abukaatoon isaa jecha kana yoo dhaga’u aariidhaan dhaddacha irraa ba’e. Gidduu kanaan Kaffaaloona harka baasee, “Ol iyyannoo kan fidate ana; ragaan abbaa alangaa narra hin jiru; armaan dura qaamnikoo akka qaama horiitti na muramee jira; abbaan alangaa ragaa narratti dhiyeeffachuu hin dandeenye; kanaaf, bilisaan osoon gadi lakkifamuu qabuun ammas seera biyya kanarra hin jirreen, dararamaan jira” jedhee mana murtii gaafate.

Ammas abbootiin seeraa “Ragaan hin jirre eessaa sitti dhufa? Ragaan osoo sitti hin dhufin maal ittistaa?” ittiin jedhan. Kaffaaloona deebisee, “Ani barataan ture; ragaa hundaa Yuunivarsitii koo keessaa fi atteendaansii irraa argachuu dandeessu; adeemsi seeraa hin eeyyamu. Abbaan alangaa nan iyyanne natu iyyate malee” jedhe Kaffaaloona. “Ragaan osoo sitti dhufeeyyuu argitee, dubbistee, ofirraa ittistaa?” jedhanii itti qoosan.

Haaluma kanaan beellama osoo deddeebi’uu mana murtii waliigalaatti waggaan tokkoo fi baatiin Afur dhume. Ragaa qabaa? Hin qabuu? Ragaan kun sirriidhaa? Qaawwa seeraa qabamoo....., hin qabu? kan jedhu hunda ilaaluutti yeroon kun hundi darbeera. Turtiiwwan kanaan booda abbaan seeraa Dastaa jedhamtu murtii armaan gadii kana dabarsite. “Himata himatamaa Kaffaaloona Taffarraa illaallatuun kan walqabate murtii armaan gadii dabarsineerra:- Ragaan abbaa alangaa jecha 27 karaa biraan harka keenya waan galeef, murtii manni murtii gad aanaa umurii guutuu murteesse mirkaneessineerra” jettee murtii dubbiste.

Kaayyoon mootummaa Itoophiyaa wayyaanee Oromoo cabsee bituudha. Ummata kanas cabsuuf kallattii hedduun karoora erga baasee booda....., hojiitti seene. kana Keessaa tokko hayyoota Oromoo hidhuun gidirsuu fi biyyarraa akka badan gochuu dha.

Kaffaaloorrattis kan raawwatame kanaan alatti miti. "Hidhamaan siyaasaa biyya keenya hin jiru....." jechuun kijiba dhangalaasa. Manneen murtiis ajaja achii ba'ee dhufeen hojjatu. Seera osoo hin taane, abbootii aangoo fi dhaaba biyya bulcha jedhamutu barreessee murtii fi himata itti kenna fakkaata. Isa hojiirra oolchu malee, seerri biyyattii bakka itti hojiirra oolu hin qabu. Kan hojiirra oolu qaraxa ummata qe'eessaarraa buqqa'e irraa dirqamaan funaanuudha.

Kaffaaloorratti waan lama gurguddaa hojjachuuf yaalanii tokkoon milkaa'anii; tokkoon hin milkaa'in hafan. Tokko qaamasaa irraa ciruun qaama hir'uu godhan. Lammaffaa xiinsammuusaarratti hojjatanii hin milkaa'in hafan. Gchoota suukkanneessaa irratti raawwatanii naasisuun sammuu dhabsiisuuf yaalii godhameedha. Manni murtii waliigalaa "Ragaan sirratti dhiyaate hin jiru. Ni baata. Mirga wabii siif eegna" jechuun isaa miidhaaf malee gaarummaaf miti. Kaffaaloona nan ba'a....., jedhee gammadee, yaadaa fi qalbiisaa mana hidhaatii erga baasee..... booda, murtii kana itti cimsuun Kaffaaloona naasuun gadda keessa seenee akka sammuuunsaa tuqamuuf yaadame.

Kaffaaloona garuu, miillisaa lamaan irraa cirameeyyuu nama abdii hin kutanneedha. Kallattii kanaan milkaa'uu hin dandeenye. Dargaggoota Oromoo kumaatama tooftaa kanaan sammuuasaanii keessaa baasuun wayyaanee biratti baramaadha.

Waa'ee Kaaffaalo hiriyootnisaa mana hidhaa wajjiin turan maal jedhu?

Turtii mana hidhaa keessa turetti, Kaffaaloona hiriyoota hedduu akka horate ragaa ba'a. Qabsaa'ota Oromoo ciccimoo fi beekamoo ta'an, mootummaan Itoophiyaa mana hidhaa Qaallittii fi kanneen birootti walitti qaba. Carraa kanaan qabsaa'onni Oromoo achitti wal arguun wal ijaaru fi wal jajjabeessuun beekamu. Hiriyootni Kaffaaloona mana hidhaa Qaallittii fi Maa'ikalaawwiitti waliin dararamaa turan keessaa

muraasni:- Nimoonaa Xilahuun, Injinar Tasfaahuun Camadaa[mana hidhaatti lubbuunsaa kan dabarte], Ibsaa Lammii, Taammiruu, Kumalaa fi kkf hedduu turan. Seenaa gootota kanneenii kutaa 2ffaa kitaaba kanaa keessatti eegaa.

Gaaf tokko bara 2003 mana hidhaa Qaallittii keessatti Kaffaaloona fi Tasfaahuun osoo gamaa gamana taa'anii walitti qoosanii....., Tasfaahuun Kaffaaloondhaan, "Aabbee maali, maaliif qofaa kee teessa?" ittiin jedhe. Kaffaaloona deebisee "kophee godhee kutaa qaama dhiqannaa ittiin seenee ba'un dhabe" jedhee itti qoose. Achii Tasfaahuun qarshii 50 baasee kenneef. Namoonni taa'an turan itti kolfan. Kaffaaloona miila waan hin qabneef itti qoose. Tasfaahuun garuu, yeroo qarshii kana kennuuf akka Kaffaaloona miila hin qabne dagatee jira. Kaffaaloona miillisaa irraa muramus, homtuu itti hin dhaga'amu....., ittiin qoosa ture. Miilasaatu cite malee kaayyoonsaa gonkumaa akka hin cinne ni beeka.

Kaffaaloona qabsaa'ota Oromoo kanneen irraa wanti adda isa godhu qaama isaa walakkaa awwaaluun walakkaan immoo gubbaatti hafuun isaa waan baay'ee nama suukkanneessuu fi adda taasisuudha. Haa ta'u malee, yoo dhimma qaama hir'achuusaa kana kaasee dubbatu gaabbii tokkollee hin qabu. Inumaayyuu wareegama mirga ofii, sabaa fi biyya ofiif kaffalan keessaa xiqqoo akka taatetti ilaala. Hiriyaansaa Ibsaa Lammii[kabbabaa Girmaa] kan murtiin umurii guutuu itti murtaa'ee waggaa 11 hidhamuun, bara 2010 bahe....., bara 2002 Qaallittii zoonii tokko dhaqee booda Kaffaaloona wal argan waa'ee Kaffaaloona hedduu dubbata. Hiriyaansaa kun barnoota baay'ee akka irraa argate dabalee hima. Wantoota inni Kaffaaloorraa baradheera jedhu keessaa muraasni;

- Gocha diinni namarratti raawwatu kamiifuu jilbeenfachuun akka hin barbaachifne
- Aarsaa qabsoon saba ofii gaafatu kamuu kaffaluuf qophii ta'uu,

- Abdii kutachuun barbaachisaa akka hin taane[dhiisuu]
- Murannoo fi kaayyoo haalli hin jijjiirre cimaa ta'e qabaachuu
- Kaayyoo fi uummata qabsoofnuuf amanamaa ta'uu
- Dantaa ykn faayidaa mataa ofiif caalaa faayidaa saba ofiif dursa kennuu
- Rakkoolee walxaxaa qabsoo keessatti nu mudatan obsaa fi tooftaan masakamnee keessa darbuu danda'uu
- Uummanni[sabni] kiyya anaaf maal godhe? jedhanii yaaduu caalaa ani saba kiyyaaf maalin godha? jedhanii yaaduu
- Mul'ata gaarii qabaachuu fi akka milkaa'u amanuu
- Obsa cimaa qabaachuu fi kkf dha.

"Waanin irraa baradhe hunda dubbachuuf yeroon nan ga'u" jedha hiriyaansaa kuni. Garuu ijjannoowwanii fi ciminni Kaffaaloo osoo hin dubbatamiin bira darbuun ulfaatan ni jiru.

- Qabsaa'aa Kaffaaloo Tafarraa diinni miillasaa lamaan irraa muruudhaan duuba deebi'uu hin dandeenye; murtii umurii guutuu itti murteesse; mana dukkanaa keessatti waggaa dheeraadhaaf dararaa ture. Kaffaaloon garuu gochoota gara jabinaa....., diinaan irratti raawwatame kanaaf hin jilbeenfanne. Waanuma diinarraa eegantu kanuma jedhee amana.
- Gaafa Qabsoo keessatti rakkoon uumamu gaafa ajajaan WBO Oromiyaa Dhihaa Jaal Laggasaa Wagii wareegamu..., gaafa hooggantoonni WBO baay'een Baha Oromiyarraa qabamanii murtiin umurii itti murtaa'u, gaafa Lichoo Dukuraa waraana qabatee diinatti galu, jaallee Kaffaaloon abdii hin kutanne ture. Namoota dachaan isaan kana caalaan akka jiranitti amana.
- Diinni miila narraa muruu danda'a; garuu, kaayyoo kiyya karaatti hambisuuf carraa hin argatu; hin danda'us..... jedhee murannoodhaan diina dura dhaabbata ture.
- Yeroo namoonni baay'een akka xallaadduu bishaan keessaa

- raafaman..... hoollatan, yeroo diinni isaan hidhee fi ummata isaaniis fixaa jirutti dhiifama gaafatan Kaffaaloon garuu kaayyoosaa ganama baheef amanamaa ture.

- Jaallee Kaffaaloon akkuma nama kamiyyuu baratee bakka guddaa gahuu fi hojjatee abbaa qabeenyaa ta'uu ni danda'a ture. Garuu, filannoon isaa kana hin turre. Yeroo hundaa waa'ee saba guddaa..... biyya isaa irratti kabaja dhabe salphachaa jiraatuu fi du'uu kana yaada. Mana hidhaa keessattis, nama isa gaafatu hin qabu ture. Uummanni isaa inni qaama fi jireenyasaa itti dhabeefis isa qaqqabuu hin dandeenye. Kana biraan obboleettiinsaa deddeebitee isa ilaaltus, yeroo baay'ee dhukkubaan dararamaa turte. Kanaaf, waa'ee isheellee akka barbaadutti dhaga'uu hin dandeenye ture. Gama biraatiin Kaffaaloon akka nama kaanii akka ofiisaa barbaadetti "fincaan na qabe" jedhee mana fincaanii deemee taa'uu hin danda'u. "Qaamnikoo xuraa'e....." jedhee, yeroo ofii barbaadetti dhiqachuu hin danda'u ture. Waan hundaafuu harka namaa eeggata.

- Namoonni baay'een gaafa rakkoon yookaan miidhaan isaan mudate dhaaba yookaan ummatasaaniirraa waa argachuun qaba jedhanii yaadu. Jaallee Kaffaaloon garuu, faallaa kanaa yaada. "Mindaan kiyyaa fi bu'aan kiyya bilisummaa uummata Oromooti. Kanaaf, ani wantin namarraa eeggadhu hin jiru. Osoon maallaqa barbaadee kaayyoo kana hin filadhun ture" jedha.

- Yeroo miidhamuu, ajjeefamuu fi jumlaan dhumuun uumma-ta Oromoorratti baay'achaa deemu, "Amma bilisummaatti dhiyaannee jirra. Kun mallattoo bilisummaati," jedhee yaada. Taarkaanfiiwwan mootummaan gara jabinaan godhu kun kan abdii kutannaati jedhee dubbata.

- Yeroo dhukkubsatee mana yaalaa dhabe rakkatutti, yeroo beela'u obsaan jiraata. Walumaa galatti, waa'ee Kaffaaloo Tafarraa kam kaasanii kam akka dhiisan nama rakkisa.

Kaffaalon mana hidhaa keessatti jaallatamaadha. Hiriyoonnisaa hedduun Kaffaalo tajaajiluun dirqama qabsoon Oromoo fi Oromummaan gaafatu keessaa tokko jedhanii amanu. Hiriyoonnisaa rakkinni fi gidirfamuun Kaffaalo rakkinaa fi gidiraa isaanii itti ta'ee wajjiin ciniinsifatanii, jajjabeessanii hanga inni mana hidhaatii ba'u, ji'a Waxabajjii bara 2010 waliin turan mara galanni isaanii gonfoo bilisummaa yaa ta'u.

Kaffaalon jijjiirama bulchiinsaa bu'uurri Qeerroo ta'ee, Pr. naannoo Oromiyaa obbo Lammaa fi Muummicha Ministeeraa Dr, Abiyyiin biyya kana keessatti dhufeen, akkuma hidhamtoota siyaasa Oromoo biroo, baatii Waxabajjii bara 2010 ba'ee ummata jaallatutti dabalame.

Ummatni Oromoo inni of laateefis simachuun jajjabeessaa turan. Ta'us Kaffaalon barnootasaa Yuunivarsitii addaan kuchisiifamee mana hidhaatti darbatame deebi'ee barachuun akkuma nama kamuu biyyasaa tajaajiluu barbaada. Yuunivarsitiin dhuunfaa biyya keessaa akka inni baratuuf 'Isponsara' ta'aniifis, sababa miilli isaa lachuu irraa citeef haala ittiin deddeebi'ee baratu dhabe rakkachaa jira. Muummichi Ministeera biyya Itoophiyaa qabsaa'aa Kaffaalo Wilshare ammayyaa kennaniifis sochii karaa mijataa fi qe'ee keessa yoo ta'e malee, Yuunivarsitii ittiin imalee barachuuf baay'ee rakkisaadha. Kanaaf uummatni Oromoo inni namummaa isaa itti dhabeef akka bira dhaabbatu abdii qabna.

Qabsaa'aa Kaffaalon akka jijjiiramni kun dhufuuf Qeerroo fi Qarree akkasumas, ummata Oromoo lubbuusaa rasaasa diinaatti kennee awwaalamee fi awwaala dhabeef waaqaa gaditti galata guddaa galfata. "Egereen keenyas ifa" jedha.

6. Badhaadha Dilgaasaa/Miidhee/ (1956-1986)

Badhaadha Dilgaasaa waamii Ebila 1956ti Addee Geexxee Badhaanee irraa dhalate

Bara qabsoo itti eegale 1982

Ijoollee 5n qabu

Bara itti wareegame 1986

Sad Bittaa kutaa Sffaa

BAKka dhalootaa

Koo itti wareegame Aannaa Ada'a

umut waggaa

Godina shakkaa Aannaa yiy/Gulalee


Qheebisa

30tti du'e

Ganda bu'annaa Qor'it

Qopheessittoora

W/Q/H Shanaa Sirna Gadaa Dargaggoo



Suura Badhaadhaa Waldaan Haaromsa Shanan Sirna Gadaa Dargaggoo Salaalee Aanaa Yaayyaa Gullallee Nuuf Gumaache.

"Isinis Tigraay keessan bulchaa; nutis Oromiyaa keenya bulchina. Tokko taana yoo jettan ammoo Bertiraa deebisaa"

Badhaadha Dilgaasaa yeroo maqaan dhahamu ummata Salaalee garaan baduun mataa asiifi achi raasaa hidhii xuuxaa, imimmaan osoo

hin beekin ija guuta. Keessa ofiitti ciniinnataa eelaan keessa isaa waadde tokko, nama dubbiseef irraa dubbata. Maqaa masoo "Miidhee"n kan beekamu Badhaadhni umrii dargaggummaatti "Iddoo inni itti ba'u qofa nu haa agarsiisu" jedhanii eegaa kan turan karaatti hafuu isaatu ummata Salaalee gadda cimaa keessa galche. Mootummaa maataasaanii dhaabuuf waadaa waan galeefii tureef....., isaaniis abdii irra godhatanii osoo eegan citaa ibidda buute ta'uusaatu onnee isaanii madeesse.

Kooyyaa Badhoo koo
Badhoo caammaan kaskisii
Calqabumaan haftee atisii...

Jechuun marartee umrii maleetti hafuusaaf qabu ibsate Salaale.

Badhaadhni Dilgaasaa abbaasaa Dilgaasaa Waamii fi haadhasaa Geexee Badhaanee irraa Ebla 1956, godina Shawaa Kaabaa, aanaa Yaayyaa Gullallee ganda Buuyyamaa fi Qo'aat, araddaa Qo'aat jedhamutti dhalate.

Umrii daa'imummaa isaatti akkuma dargaggoota Salaalee loon maatiisaa tiksaa....., farda gulufsiisaa, tapha ulee qolannaa taphachaa, adamoo adamsaa, sirba nageenyaa fi qabsoo sirbaa guddate. Umriin isaa yeroo barnootaaf gahu, Mana Barumsaa Qarree Tokkee Sad.1ffaa galuun hanga kutaa 5 tti barate. Abbaan isaa waggaa 7 tti irraa du'e. Haatisaa immoo umrii isaa waggaa 14 tti irraa boqochuun gaarummaa fi hammeenya haadha fi abbaa malee obboleewwan isaa Shanan waliin dawoo walii ta'aa guddate.

Badhaadhni(Miidhee) n umrii isaa waggaa 18 titti Jaalanee Intalee waliin bultii ijaarrachuun, ilmaan Magarsaa fi Roobaa jedhamu godhate. Roobaan jalaa boqote. Ergasiis deebi'ee haadha manaa lammataa Tujaaree Addunyaa waliin gaa'ela godhachuun ilmaan lama

argatanii, tokko jalaa deebitee Buzuun Badhaadhaa maqaa isaa waamsisaa jirti.

Gootichi Yaayyaa Gullallee kun dargiif bara 1980 gara dirree waraanaa duuluun waggaa 2 f leenjii erga fudhatee booda 1981 dirree waraanaa kanaa badee (ganee) gale. Bara 1980 keessa waraana cimaatti kallattumaan seenee lola keessatti hirmaachaa tureera. Baroota kana keessa wayyaaneen aangootti dhufuuf dargii rakkisaa waan turteef, Badhaadhni badee erga galee wayyaanedha jedhamuun loltoota dargiin hawaasa keessa barbaadamee reebsifamaa ture.

Ta'us, bara 1982 wayyaaneen dargii sarduun lubbuu itti guraarte. Bara dargii kana mooraan leenjii loltoota dargii inni guddaan, (Salaalee Awuraajjaa Masalxanyaa kifla xoor) jedhamuun kan beekamu, Salaalee Fiichee keessatti argama ture. Mooraa leenjii kanattis guutummaan Itoophiyaa, Baalee, Booranaa, Beenishaangulgumuuzii, Harar fi kkf irraa dhaqanii itti leenji'u turan. Bara kana garuu wayyaanonni dargiitti seenanii gad baasuuf..... karaa Kaabaan naannoo Darraa yoo gahan, dargiin sardamuun namootuma naannoo jiran Salaale irra caalaa isaa walitti qabee leenjii muraasa kennuun qawwee fi rasaasa 140 tokkoon tokkoof hire.

Badhaadhni Dilgaasaas duraa qawwee dhabee rakkachaa kan ture, hawaasa waliin carraa kana argatee leenjii kanaafii qawwee piippishaa (piippisii) jedhamtu rasaasa kaartaa 4, tokkoon tokkoo ishee ija 35 qabdu waliin Caamsaa 1982 fudhatee ba'e.

Kana booda haaloo Isabaa bahuu fi wal arganne jechuu fakkaataa....., akkuma qawwee fudhatee iddoo leenjiitii gad ba'een, rasaasa 35 kaartaa tokko hawaasa fuulduratti dhukaasee duwwaa taasise. Ummatni qawwee fudhatanii galaa jiranis kun nurraa fudhata jechuun baay'ee sodaatan. Oolee osoo hin bulin, gochaan isaa kun Isaboota bira gahe. Dhoksaan gochaan isaa kun Isabaatti himame. Badhaadhni

garuu erga guyyaa sanaatii paartii Isabaa ittiin hakuucamaa tureefis dhageettii dhabe. "Sababa malee nu dhiituu keessan, aadaa koo dhabuu, mirga koo dhabuu, ati hin beektu waa'ee kee anatu siif beekaa fi roorroo saba koo ittiin doomsitan arguu hin barbaadu...." jechuun ifatti baasee Isaboota doorsisuu jalqabe.

Yeroo kanatti wayyaaneen dhiyaachatuma waan dhufteef isaaniin lolchiisuuf jecha, Isabaan warra qawwee fudhatee fi leenji'e kana walgahii walitti waamte. Badhaadhni garuu walgahii isaaniirratti argamuufii hin dandeenye. Dhimma kana yoo qoratan, duras Dargii ganee hoomaa waraanaatii galuu fi guyyaa qawwee fudhatee gales, rasaasa 35 dhukaasuu isaa dhaga'anii baay'ee aaran. Akka inni qawwee fidee dhiyaatuuf dhaamsi itti ergame. Inni garuu dhiyaachuu hin dandeenye. Sababa kanaanis, "Maaf dhiyaachuu dide; duras kajii ture, ammas qawwee fudhatee achiin hafe....." jechuun hidhattootni /Isabaan/ Dargii sadii waraana guutuu hidhatanii gara ganda Buuyyamaa fi Qo'aat qajeelan.

Eenyummaa Badhaadhaa kan beeku Salaalee qofa waan ta'eef, Isabaan dhaqxes salphinaan galte. Dandeettii isaa waan beekaniif Salaale sirbaan yoo ibsan, Shallamaa, (2010:329)

"Atuu beekta yaa Badhoo
Yaa Badhaadha Qarree Tokkee
Uri kilaashiin jarri dhuftee"

Jechuun gootummaa isaa fi diina akka hin maarre keessa isaa keessa ofiitti beekaniin ibsuuf.

Seenaa gootota Oromoo keessatti, gootota Oromoo keessaa baay'een isaanii tooftaan isaan diina ittiin injifatan kan ajaa'ibsiisu ture. Kan Badhaadhaa immoo addaadha. Tooftaalee akkasaa fayyadamaa kan turan keessaa gootichi Salaalee Agarii Tulluun isa tokko. Shallamaa

(2010:32) kan ibse keessaa tooftaa Agariin diinasaa ittiin moo'e tokko yoo kaa'u,

Agariin toora sa'aatii 11:00 horiin qe'eetti erga deebi'ee booda, tiksoonni fi hojjattootni Baalanbaraas horiitti marga darbanii tiksaa jiru. Baalanbaraas ammoo bullukkoo isaa uffatee qawwee isaas ofitti hirkisee karra dura taa'aa ture. Hiyyeessi wayyaa ciccitaa uffatee qanqala baate itti dhiyaatee lafatti kufee lafa dhungata. Hiyyeessi wayyaa dirritaa kunis haadhi isaa akka Fittaaal jiraattu, aduun itti dhihee fi daandiin isaa ammoo saamtota waan qabuuf dallaa Baalanbaraas jala bulee barii akka deemu isa gaafata.

Baalanbaraas akkuma aadaa biyyaatti akka mana seenee bulu isaaf eeyyamee, irbaanni hamma nyaatamutti tabni jalqabama. Matadureen isaanis Agarii Tulluu ture. Innis caqasaa ega tureen booda shugguxii mudhiitti hidhate wayyaa bututaa keessaa baasee laphee Baalanbaraasitti qadaadee akka hin shokoksine itti hima. Qawwee Baalanbaraasis irraa fidee duuka buutota isaa waliin oofee kutaa takkatti isaan naqa.

Haadha warraa Baalanbaraasis kaasee bakka qawwee fi meeshaan waraanaa jiru baasin itti gamee, isheenis fiddee laattif. Maallaqa argate giiphiitti naqatee, meeshaa waraanaas saanduquma waliin qopheessee, M1 isaa hiikkamee qanqala baatu keessa tures baasee isaanuma fuulduratti walitti hidhee "Agarii jechuun ana" jedhaan. Itti himuu baatus harka gaafa isaan kennisiisu isa baraniiru. Agariin dhukaasa kallattiin banee kan isa waraanu malee kan kadhattuu wayii fakkaatee itti dhufu godhee hin tilmaamne ture.

Jechuun tooftaa goototni itti fayyadaman keessaa Agariin akkamiin Baalanbaraas akka amansiise ibsa. Baalanbaraas sanaan dura "Agarii nan qaba" jedhee itti dhaadachaa, tuffachaa, itti geeraraa ture.

Badhaadhnis yeroo garagaraa gosa tooftaa kanaa kan fayyadamu, guyyaa kana nama nagaa fakkaatee karaa isaan ba'an waan beekuuf

Qarree Tokkeetti ol ba'ee taa'e. Isaboonni sadan Badhaadha dhabanii....., qaama dadhabbiin gara gammoojjiitti ol adeemu ture. Inni fuuldura goree dhokachuun jara dadhabdee adeemtu rasaasa miila isaanii jala yaasa. Loltootni sadanis rasaasa itti roobu yoo argan dhumuurra dafanii harka kennatan.

Badhaadhnis fixuuf ennaa jedhu, jaarsi abbaa biyyaa Araddoo Reebaa (Abbaa Waadaa) jedhaman naannawa waan jiruuf arguun irraa dhoorkee isaan oolche. Badhaadhnis qawwee kilaashii fi rasaasa isaanii hunda afee irraa booji'e. "Isin ummata Oromoo cunqursitan, ni ukkaamsit .1. Namni murtii malee hidhama. Ummatni Oromoo isiniin dararamnee jira. Ani duraa shira keessan kana jibbeen bobaa keessan jalaa ba'ee gale....." Jedhee aarii garaa isaa keessa jiru hanga danda'u erga itti geeraree booda Isaboota fuudhee gara ummataa geesse.

Ummatas walitti qabee yeroosuma Re'ee fichisiisee qalchisiise. "Isin amma ana qabuuf dhuftan. Ana garuu hin argattan. Qawwee keessanis isiniif hin deebisu. Isin garaa jaallattu. Kunoo Re'ee tana nyaadhaa. Garaa keessan guuttadhaa galaa" jedhee isaan didnaan irra ijatee humnaan foon Re'eettii nyaachisee galche. Kunis garaa laafummaa ilma Oromoof fakkeenya ta'uu danda'a. Eenyumtuu diina isa ajjeesuu dhufe qabee qaleefii nyaachisee hin galchu.

Haalli Badhaadhnis godhe kun Isabootatti faallaa galee osuma raankoftu barri 1983 itti ta'e. Aariidhaan amma waraana 400 ol ta'u qindeessanii gara Badhaadhaatti duulchisan. Innis yeroo kana qabsaa'ota fi quuqamtoota akkasaa hedduu horatee of cimsee jira. Har'a lolli dirreen moo'ichaa tokko ta'ee milkiin kan galu milkiif of qopheesse. Kan kufus kufaatiisaa ija dahoon irra buuteen of onnachiisaa, gara Qarree Tokkee iddoo "Diimoo" jedhamtu lafa dhaloota gooticha Hayilamaariyaam Maammoo gooftaa

Xaaliyaanotaa irratti kallattiin walitti bobba'an.

Hayilamaariyaam Maammoo gooticha Yaayyaa Gullallee, Xaaliyaanii waggaa Shaniif ba'aa, gala dhoorkee jiraa isaanii ittiin taphateedha. Seenaan gooticha Hayilamaariyaam Maammoo armaan dura naannoo Amaaraatti dhalate....., kan Amaaraati jedhamee dabsameera. Akkuma Balaay Zallaqaa Qiltuu dura ofitti maxxansanii ittiin dhiichisaa turan. Seenaan garuu goota kana sanyii Oromoo ta'uusaa adda baaseera. Akkasumas, Hayilamaariyaam Maammoo Godina Shawaa Kaabaa(Salaalee), aanaa Yaayyaa Gullallee, iddoo Diimoo jedhamtutti dhalachuusaa maanguddoonnifi dhalootni dachee sanaa ragaa ba'u. Akkasumas Shallamaa Kabbee (2010) kitaabasaa Seena Gootota Oromoo fi Kaan, jedhu keessattis odeefkennaa obbo Damissee Mokonnin akka haasofsiisetti qe'een obbo Haayilamaariyaam Maammoo hanga ammaatti Geeshoo fi Baargamoo inni dhaabeen marfamee argamuu isaa ibsa.

Hayilamaariyaam Maammoo tooftaa lolaa adda addaatti fayyadamuun Xaaliyaanota kan ittiin taphateedha. Qe'eedhuma isaa iddoo Diimoo jedhamu kanatti bara tokko beekaa mana ofiitti ibidda qabsiise. Manni isaa laboobee boba'e. Xaaliyaanotni garee keenya (Faranjoota) tu gube....., manni Hayilamaariyaam Maammoo gubate....., diina keenya guddicha galaafanne..... jechaa gammachuun figaa dhaqxe. Hayilamaariyaam Maammoo garuu cinaatti galee Matariyeesii qopheeffatee Xaaliyaanota 40 iddoo tokkotti daaraa taasisee meeshaa waraanaa isaanii hunda guurrate.

Sanyiin Hayilamaariyaam Maammoos, Badhaadhnis Dilgaasaa lafa kanarratti Muddee 1983 Isabaa 400 unkuteesse. Yeroo Isabaan gammoojjii jalaan ol adeeman, inni loltoota isaa balbala lama, Qarree Tokkee fi Diimoo gubbaa isaanii qubachiisee qopheeffatee jira. Lola cimaa tureen loltoota Isabaa hedduu fixee kuuwwan dheechanii

lubbuu ofii oolfatan. Hiriyoota Badhaadhaa yeroo kana waliin lolaa turan keessaa muraasni, Fayyee Garasuu, Badhaasaa Gammadaa, Tolchaa Damissee, Margaa Fatasaa, Gammachuu Kabbadaa, Damisoo Awwakaa, Faanaa Abeebee, Anbassaa Hurrisaa, Hammahaa Lammaa, Abraaham Lammaa, Kootuu Daadhii fi kkf..... turan. Fayyee fi Badhaasaan matariyeesii tokkosu. Gootummaa isaanii kanas, weellisaa Mogoroon yoo ibsu akkas jechuun sirbeen...

“...Utubaa sibiilaa
Qeerroo sanyii dhiiraa
Akka Fayyee Garasuu
Akka Badhaasaa Gammadaa
Goota Lammiin leellisuu(4)
Waaqa roobee dirrisuu(2)
Hurriituu addaataa
Goota ajjeesee geeraru(2)
Bilisummaa natti fakkaataa(3)”

Badhaadha kana booda qabuun rakkisaa ta’e. Hundee gad fageeffatee miseensotas cimsate. Haala akkanaa kana keessa osoo jiran, Dargiin kufee Caamsaa 20,1983 wayyaaneen aangoo qabate. Badhaadhni yeroo kana miseensa isaa 400 oliin gahatee jira. Wayyaaneenis akka dhufteen “Naannawa Yaayyaa Gullallee kana namni Badhaadha jedhamu....., waraana hedduu qabu jira waan ta’eef, waraana keenya lachuu walitti maknee biyya guddisna” jechuun karaa mijeeffachuuf Badhaadhatti dhaamsa ergite. Badhaadhnis “Tole” jedhee biyyaaf akka hojjatamuuf walii galu.

Haa ta’u malee, waraanni kaampii Fiichee taa’ee namni sadii qofti bakka bu’anii Yaayyaa Gullalleetti ergamanii akka bulchan taasifaman. Badhaadhnis hooggantoota raayyaa wayyaanee sadan ergamanii Yaayyaa Gullallee bulchuu dhufan kanaan waliigaluu hin dandeenye.

llaalcha isaanii argee abdii irraa dhabe. Kaayyoon isaanii fuulduratti qabatan kan hin imalchiisne ta’uu yoo baru itti garagale. “Nutis lollee, isinis loltanii qixa dargii kuffisne. Amma isinis deemaa biyya keessan Tigraay bulchaa. Nutis Oromiyaa biyya keenya ofiin of bulchina. Erga akkas addaan wal hin qoqqoodnu jettanii immoo isinis Eertiraa maaf foxxoqsitan.....? Yoo addaan wal hin qoqqoodnu tokko taanee waliin bulla jettan ammoo Eertiraa deebisaa” jedhee dubbii itti kaase. Kanarraa kan ka’e, waliigaluu hin dandeenye. Maanguddoonnis araarsuuf yaalii godhanii hin danda’amin hafe.

Haala isaa kana kan arge wayyaaneen, achuma naannawa sanaa namoota sadii, tokko hoogganaa taasisanii waraana kennuufiin Badhaadha wajjin aanaa Yaayyaa Gullalleetti akka hojjatan taasise. Kunis tooftaa Badhaadhni maaliif gaaffii ofiin of bulchinaa kaasa.....? jechuun ajjeesuuf akka mijatuuf ture. Wayyaaneen iccitii inni gaaffii ofiin of bulchuu kaasuu isaa qoratanii erga adda baasan booda, akka ajjeesaniif itti bitan. Badhaadhnis iccitii isaanii kana oolee osoo hin bulin dhagahuun hiriyyaa isaa Fayyee Garasuu waliin jara itti bitamte sadanuu ennasuma ajjeese. Badhaadhni yeroo kana aanaa kana bulchaa tureera.

1. Badhaadha Dilgaasaa---Bulchaa
2. Fayyee Garasuu-----Barreessaa

Ta’uun lafa qote-bultootaa dargiin saamaa tures hedduu ummataaf deebisiisee jira. Oolee bulee wayyaanee sakaallaa itti ta’ee yaaddoo keessa galche. Waraana konkolaataa tokko guutee humna cimaan yaa’ii lolaaf Badhaadhatti erge. Badhaadha fi Fayyee kun isaaniif haaraa miti waan ta’eef, har’as loltoota wayyaanee barbadeessuun konkolaataa isaanii qullaatti hanbisan.

Wayyaaneen Oromoo yoomuu humnaan bituu akka hin dandeenye waan

galanis dhabuun dheessanii olba'uun aanaa Ada'aa Bargaa keessan karaa laga Mogoriin gammoojjii kutanii galan. Karaa Sulultaa duraan Caancoo jedhamtee waamamtuun jechuudha. Karaa ba'aniin deebi'uu dadhabanii milkii hin oofkalleen harka qullaa deebi'anii galan. Qote-bultootni naannoo sanaas qawwee hedduu guurratan.

Gootichi Badhaadha Dilgaasa tooftaa garagaraa ciccimoo fayyadamee fakkaatee mul'achuu danda'a. Yeroodhuma odeeffannoo magaalaa fi waan jarri itti jirtus argachuu dhabee tures uffata dubartii uffatee, shaashii hidhatee, sabbata dugdaa hidhatee....., geeshoo dugdatti baatee, dubartii gabaa ooltu fakkaatee gabaa ba'ee isaanuma waliin oolee odeeffannoo waraanni maalirra akka jiru, eessa akka jiran hunda isaa sassaabbatee erga bareen booda galgala bakka isaan jiranitti dhaqee duguuga. Hawaasa Yaayyaa Gullalleen baay'ee jaallatama. Hawaasni ni deeggaru. Galaa geessuuf. Kanaaf jecha irra caalaa ummatuma keessa oola. Akka isaan hin saaxillee fi dabarsanii hin kennine tolchee beeka. Shallamaa(2010:329) jaalala ummatni qabuuf yoo ibsu,

Warri aanaa Yaayyaa Gullallee, toora Qarree Tokkee waa'ee Badhaadhaa yoo himan ammallee hin quufani. Waadaa inni galeef yoo himanis, qabsoon isaa mootummaa Oromoo hundeessuu ture jedhu. Yaada isaa kanas baay'ee akka jaallatan himu.

Faallaa kanaan kan isa jibbu, ija sodaa fi shakkiidhaan isa ilaalaa tures guuteera. Kan faallaa isaa dhaabbatan, gaafa inni du'u taayitaa argataniiru. Kan Oromoof qabsaa'u duruu maqaan hin taane maxxanfameefit, kan ittiin badhaadhummo cinaadhaan isatti fayyadamee jiruu gaarii jiraata.

Jechuun ibsa. Bosonni Mogorii fi magaalaa Keentarii immoo Badhaadhaaf godoo isaa jireenya walitti ho'ifataniidha.

Bara 1985 waraanni wayyaanee ganda gammoojjii Areeree qubatee yeroo dheeraaf achii ka'uu dide. Tooftaa isaan achii kaasu barbaadetu Badhaadhni hawaasa waliin walii galuun Afooshaa fakkeessee, Daabboo tolchisiisee, Farsoo naqsiisee, akaawii akoofsisee tulluudhumaa naannawa san jirutti ol baasise. Hawaasni fi waraanni Badhaadhaa dhaqee nyaatee dhuga..... Akka aadaa Oromootti Oromoon ollaa ofii yaamee nyaatee wal nyaachisa. Badhaadhnis jarri tooftaan naaf hin hille jedheetu tooftaa kanatti dhimma ba'e.

Waraana wayyaanee 40 ta'an naannawa kana qubatan kanaan...., "koottaa Daabboo nyaadhaa...., Farsoo dhugaa....., kunoo aadaa keenyaa" jedhee waamsise. Waraanichis dhaqee itti rabatee nyaachuu eegale. Miseensi Badhaadhaa fi hawaasni tooftaan tokko tokkoon luqqa'ee dhume. Kuun akka nyaatee quufee nagaa dhaammatee sokka. Kuun ammoo "Turi dhaqeen Daabboo fidee dhufaa" jedheetu keessaa ka'a. Dubartootni ammoo "Tolekaa qofaa hin deemin sin gargaaraa turi" jetteetu wal fudhatanii sokku. Kan biroo ammoo "Turaa Farsoon dabalaa" jedheetu imala. Osuma jedhan hunduu luqqa'anii dhuman. Yeroo waraanni wayyaanee qofti qofaatti hafuu isaanii baru....., waraanni Badhaadhaa iddoo qabatee jiruu itti dhukaasee daaraa dha'uun meeshaa waraanaa guutuu guurratan. Waraanichas haala kanaan achii kaasan.

Lolli Onkololeessa 1986 keessa ganda Buuyyamaa fi Qo'aat irratti wayyaanee waliin sa'aatii 3:00 irratti baname ammoo hiriya Badhaadhaa gooticha Fayyee Garasuu dhukaasaa Matariyeesii fudhatee sokke. Fayyeen leencicha Keentarii waraana wayyaanee Sadii ofirratti ajjeesee waliin imaleedha. Kutataa dhiiraa, daba, shira xaxxuu, mortuu, hattuu kan jibbu lola guyyaa kana ta'e cimaa erga lolaa oolani booda meeshaa ija keessa galfatanii ilaalaniin ilaalanii, Matariyeesiin miila rukutan. Hattuu jibba yoo jennu keessaayyuu hattuu biyya gurgurattu diina isaa olaanaadha. Goota garaa

kuteessaati. Dhimma Oromoo irratti imimmaan cuunfata.

Erga miila rukutamee booda ni kufe. Waraanni Wayyaaneetis ajjeesne jedhanii fiiganii yoo dhaqan Shugguxii harka isaa jiruun itti dhukaasee namoota 3 galaafate. "Harka kennadhe" jechaa, harka ol qabaa, yoo isaan itti hiiqan ni rukuta. Ammas harka ol qabaa....., yoo itti hiiqan rukuta. Akkasiin jara fixee isaanis rasaasa fixatanii sadafii qawween boodarra akka ajjeesantu himama. Guyyaa kana hiriyootasaa gootota kanneen akka Badhaasaa Gammadaa fi Margaa Fatasaa fa'i waliin jiru ture.

Badhaadhni yeroo adda addaatti tooftaa jijjiiree mul'achuu kan danda'u, guyyaa tokkos osoo uffata qote-bulaa uffatee adeemu, waraanni wayyaanee itti dhufan. "Badhaadha nama jedhamu argitee obboo?" jedhanii gaafatan. "Eeyyee gama kana Keentarii jira." Jedhee deebiseef. Waktiin Ganna waan ta'eef..., laga Mogor guutee jiru arganii "Akkamiin ceenee dhaqnaree?" jedhanii gaafatu. Innis "Sinan geessa, koottaa lagas sinan ceesisa. Daaknee baana. Daakicha beeka ani. Isin immoo harka keessan wal qabadhaa ani sinan qaba" jedhee fuudhee lagattiin lixe. Daakee walakkaa erga ga'eenii booda, hunda isaanii itti gad lakkisee bishaan ficciise.

Bishaan (laga Mogor) daakaa guddate waan ta'eef Badhoof kun waan salphaa ture. Bishaan daakuun isaaf mana jireenyati. Fayyisaa (2018:26 A.L.A.) "Badhoon yoo loon maatiisaa tiksu, laga guddaa Mogor yeroo daaku dorgomaa hin qabu. Akkuma daakkiyyee yeroo mara bishaan keessaa hin dhabamu. Laga guddaa kana yeroo Gannaa gara iddoo Darbaa jedhamutti qaxxaamuruun akkasumas, gara Ada'aa Bargaatti qaxxaamuruun hiriyoota isaa waliin taphachaa oola."

Hojiin isaa kunis wayyaanee sodaachisuu warri Yaayyaa Gullallee sirbaan yoo ibsaniif,

Kooyyaa Badhaadhakoo
Badhaadha Qarree Tokkee
Warra wayyaanee
Garaan shakkee....

Jechuun ittiin sirbu ture. Badhaadhni yeroo baay'ee waanjoo fa'i baatee qote-bulaa fakkaatee adeemuun jarattii haleelee dhimma ofi ba'a.....

Bara 1984 lola cimaa wayyaaneen loltoota ABO Badhaadha fa'i irratti aanaa Jalduu fi Meettaa Roobii bakka waldaa laga Qorichaa fi Waraanbulchiirratti taasisteen Badhoon aartistoota Oromoo danuu du'a oolcheera. Fayyisaa (2018:37 A.L.A.)

"Badhoon oolmaa guddaa loltoota fi aartistoota ABO kan hanga har'aa lubbuun jiran kan akka Zarihuun Wadaajoo fi Ilfinash Qannoo laga ceesisuun lubbuu isaanii baraareedha. Waraana kana irratti loltoonni wayyaanee naannoo qarqara laga kanaatti rukutamanii dhuman bishaan reefa isaanii fudhatee fulla'e."

Sanyii gaariin sanyiif sanyii ta'ee, dhaloota isaaf ija godhatee, diina ofirraa ittisee akka Badhaadha Dilgaasaa of kenna. Sanyii gadheen ammoo achumaa daddaaqaa, kufuu, kuffisuu, jechaa osoo firii hin godhatin hafa. Isa firii godhatee dhalootaaf ija of kennuuf of qopheessu cinaa isaa jiru irratti of xaxee dhaloota galaafata. Akka Goobanaa Daaccee. Badhaadha gootichas sanyiin Goobanaa Daaccee kun isa xaxuun hin hafne.

Ji'a Sadaasaa, 1986 Ada'aa Bargaas ganda Dheebisaatti goobantootan qindaa'ee mana dubartii buleetii tokkotti waraana isaa waliin akka affeerriitti waamama. Annaanii fi Re'ee Gurraattiin qorichi irratti hojjatamee (daggamamee) qophaa'eefii jira. Badhaadhni sana duras namicha isa waame kana bira ni dhaqa ture. Har'a garuu....., akka itti

hin baramneef mana dubartiitti qophaa'e. Inni garuu warri akka itti bitamtee isa gante hin barre. Ta'us keessi isaa beekke yeroo dhaqu, uffata baafatee akka nama ayyaana qabuu /dalaguu/ laga Mogorirra asii fi achi kaatee "Yaa laga Mogor na galchitus, na ajjeestus kunooti" jedhee lallabaa ture.

Hiriyoetni isaas shakkanii "Hin dhaqnu" jedhanii dhoorkanii turan. Inni garuu "Ni dhaqna. Sodaannee hin duunu. Erga sodaa maaf manaa baanee teenyaree?" jedhee dide. Akka himamutti namtichi Re'ee fi Aannaanitti qoricha godheef (daggame) kun "Badhaadhni har'a sa'aatii 9:00 dabarraan mootummaan Sadii hin kuffisu" jedhee ture jedhama. Jarri yaamtu itti deddeebi'anii dafee akka dhufu ajaja duubaa fudhataniin waan sardaniif Badhaadhnis ni dhaqe.

Akka ol seenee taa'een Aannaan kennaniifii dhugee yoo jedhu, akka nama sammuun darbee ta'ee ture. Itti dabalanii Re'ee gurraattii qalaniif. Innis yoo kana argu "Gootanii gootanii Re'ee gurraattii naaf qaltanii....?" jedhee utaalee ba'e. Waraanni wayyaanee iddoo qabatani jiran itti dhukaasuu eegalan. Miila isaa akka rukutaniinis waraana isaatiin "Fiigaa" jedhee ofiisaas fiigee muka Arangamaa tokko jala seenee miila hidhate.

Jarris achitti itti marsitee dhukaasa itti bante. Innis itti dhukaasaa erga turee booda rasaasa fixate. Jarri na ajjeestee maqaan koo hin badin jedhees rasaasa tokkittii ishee dhumaa hafteen ofitti garagalchee of rukute.

Jarri wayyaanee isa ajjeesuuf dhaqxes aangoo ittiin argachuuf jecha, "Natu ajjeese" jechuun wal falmanii namni lama wal ajjeesan. Ada'aa Bargaas dirree dhiigaa taate. Reeffer namoota Sadii fuudhamee gale. Reeffer Badhaadhaa garuu eenyu akka ajjeese adda baasuuf gara Hospitaala Minilik ergan. Akka inni ofii of ajjeese erga adda ba'ee

booda....., guyyaa sadaffaatti Sadaasa 03, 1986 Bataskaana Mikaa'ela Qaawwaa jedhamu, naannawa dhiyeenya dhalootasaa Goda Jabaa jedhamutti awwaalame.

Sababa du'a isaanis waraana isaa keessaa qabsaawaan tokko torban lama booda, qe'ee Badhaadha galaafachiiste san dhaqee namoota hedduu ajjeesee muraasa madeesse.

Salaalees du'a Badhaadhaaf akkasiin sirbeef.

Badhaadha koo
Badhaadha harka seekkodhaa
Kan si galaafate keettodhaa

Kutaa foo'i na godhaa
Naxalaa kutaa foo'i na godhaa
Yeruman si yaadadhuu
Halkanii guyyaa boo'i na godhaa

Kooyyaa Badhoo koo
Badhoo laga Mogorii
Yoo dhukaasuu baattes fokkorii
Hoolaa malee Re'ee maaf sii qaltii
Yaa Badhoo koo..... duruu nama gantii.....

7. Shaambal Abbabaa Biqilaa (1924-1965)



“Biyya keenya hin salphisin”

Dacheen Oromiyaa biyya gootota danuu biqilchitee maqaashee ittiin waamsisuurra dabartee..... addunyaatti sagalee ishee ittiin ol kaafatte kumaatamtoota qabdi.

Haalli kun immoo orma hinaafsisee, akkuma barame qabeenya dachee magariisa Oromiyarra jirtu saamura darbanii.... sabummaa gootota Oromoos saamaa turuun isaanii qorannoo ilmaan Oromoo taasisaa dhufaniin yeroo garagaraatti ifa bahaa dhufeera. Ummatni kaabaa kun akkuma sabummaa gootota Oromoo kanneen akka Balaay Zallaqaa, Magarsaa Badhaasaa/Abuna Pheexiroos/, Hayilamaariyaam Maammoo....fi k.k.f saamaa turan sabummaa shaambal Abbabaa Biqilaas saamanii ofitti maxxanfatanii jiru.

Har’umallee miidiyaaleen isaanii fi Itoophiyaa tokko tokko waa’ee shaambal Abbabaa Biqilaa yoo odeessan D/Birhaan akka ta’e taasisaniit ofitti harkisuun himu. Kanarra darbuun barreessitootni garagaraa hiddi isaanii kaaba ta’e, baay’een..... seenaa Sh/Abbabaa Biqilaa dhalataa kaabaa taasisanii barreessanii jiru. Sabummaa isaa jijjiirurrallee darbanii maqaa abbaasaa “Biqilaa” jedhu, gara “Baqqalaatti” jijjiiruun seenaa isaanii dhugoomsachuuf “Abbabaa Baqqalaa” jedhanii barreessanii jiru. Gochaan kun isaan mufachiisee, qorannoo gadi fageenyaa taasisuun, kan sabummaa Sh/Abbabaa Biqilaa ibsan..... qorataa seenaa waajjira Aadaa fi Turiziimii godina shawaa kaabaa bara 2001-2007 kan ture, Obbo Nagaash Hundee barreeffama warra Kaabaa kanas sirriitti qeequun barruu hin maxxanfamin kutaa waajjirichaa keessa kaa’aniiru.

Abbaan Shaambal Abbabaa Biqilaa obbo Biqilaa Waajjiree godina Shawaa kaabaa aanaa Abbichuu, Billatiitti dhalatee guddate. Haati shaambal Abbabaa Biqilaas aadde Wuddinash Banabbaruu godinuma shawaa kaabaa aanaa Abbichuu iddoo Mikaa’eela Caangee ykn Tulluu Galaan iddoo Irreechaatti dhalattee guddatte.

Maatiin shaambal Abbabaa Biqilaa kunneen lamaan goototni miciree isaanii lamaan walitti dabaluu..... goota uumanii addunyaaf laatan kunneen yeroo fuudhaa fi heerumaaf ga’an aanaadhuma Abbichuu,

Billatitti gaa'ela godhatan. Seera uumaa eeganii bara 1922 mucaa hangafa Ajajaa Dhibbaa Kinfuu Biqilaa argatan.

Biqilaa Waajjiree yeroo kana lafa duubaa dhuftee abbaasaa iddoo lamaa qaba ture. Har'a yoo hin ta'in Orom durii irraayyuu kaasee Oromootni lafa qonnaa iddoo garaagaraatti qabu. lafa qonnaa fi loonitiin adda baasu. Yookiin ammoo baddaa fi gammoojjiin adda baasanii haala lafichi tajaajila kennuun dhimma itti ba'u. Lachuuyyuu ammoo qonnaafis fayyadamuu danda'u.

Biqilaa Waajjirees aanaa Jiddaa fi aanaa Abbichuu keessaa lafa qaba ture. Biqilaan erga ajajaan dhibbaa Kinfuun dhalatee booda lafa isaa Abbichuu jiru, obboleessa isaa Jifaareef dhiisee ofiisaatii haadha manaa isaa Wuddinash Banabbaruun fi ilmasaa Kinfuu fudhatee gara aanaa Jiddaatti godaane.

Jiddaatti akka galantiinis, araddaa/dachee/Jiddaa Gaangoo irratti Micireen gooticha Room uumamte. Haati ajajaa dhibbaa Kinfuu ilmashee lammataa shaambal Abbabaa Biqilaa Jiddaatti ulfoofte. Obbo Biqilaa Waajjiree yeroo kana nama quufaa....., bashannanaa ture. Gidduudhuma kanaan haadha manaa isaa aadde Wuddinash waliin walittii bu'an. Aadde Wuddinash abbaa manaa ishee kallattii biraatti /dubartii/..... waan shakkiteef walitti bu'iinsi guddaan ta'ee, ulfa garaatti baattee gara mana abbaashee Qeesis Banabbaruun, Abbichuutti deebitee galte. Abbaan ishee Banabbaruun hojii qeesummaan mana amantaa Mikaa'elaa tajaajila ture.

Abbaan shaambal Abbabaa haati manaa isaa akka galtuuf yeroo baay'ee..... jaarsummaas ergatee ture. Haati manaa isaa aadde Wuddinash garuu tole, jechu hin dandeenye. Yeroo kana obbo Biqilaan Abbichuu Billaatitti deebi'e. Abbaan isaa obbo Waajjireenis aariidhaan haadha manaa lammataa ilmasaa Biqilaatti durba "Walalaa Qunbii"

jedhamtu fuudhe. Biqilaan haadha manaa lammataa tana erga fuudhee booda, ishee fudhatee gara qe'eesaa Jiddaa, Gaangootti deebi'ee leetoosaa itti fufe.

Haati Sh/Abbabaa aadde Wuddinash yeroo obbo Biqilaan fuudhuu dhageessu..... aariin Abbichuu ganda Jaatootti nama "Tamtim" jedhamee waamamutti heerumte. *Shaambal Abbabaa Biqilaanis bara 1924 haadha isaafi abbaa buddeenaasaa "Tamtim" biratti dhalate.* Abbaan Sh/Abbabaa obbo Biqilaanis Jiddaa Gaangootti haadha manaa isaa lammataa waliin jireenya ho'ifatee jira.

Shaambal Abbabaa Biqilaan dhalatee waggaa 4 erga lakkoofsisee..... booda, bara 1928 *Xaaliyaaniin Itoophiyaa weeraruuf biyya seente.* Keessumattuu bara kana kallattii isaanii kanaan Dabra Birhaani fi naannawa Abbichuun waraanni xaaliyaanii danuun galtee namoota hedduun dhuman. Qabeenya baay'een barbadaa'ee jira.....

Yeroo Xaaliyaanin naannawa kanaan seentee dachee kanneen saamtu abbaan buddeenaa shaambal Abbabaa Biqilaa "Tamtim" haadha Sh/Abbabaa fi Sh/Abbabaas gatee bade. Xaaliyaaniin osoo hin yaaddamin meeshaa ammayyaa danuun waraana waan eegalteef kallattii dursa ittiin seente keessaa namootni lubbuu ofii oolchuuf kuuwwan ammoo qabsoon ofirraa *finciluuf bosonatti duulanii maanguddoota fi daa'imman xixinnoo qofti qe'eetti hafan.*

Aadde Wuddinash Banabbaruus ilmashee borumtaan isaa ifa biyyattii ta'e qabattee qofaatti mana onaatti hafuuf dirqamte. Ilmashee xinnoo biraa kuus... kuus... jedhu of duratti ilaalaa. Altokko tokko ammoo yaadan addunyaa abuuraa, naannawa ishee calleensan suphitee jiraachuu eegalte. Haa ta'u malee, jireenyis qofaashee mana keessatti itti cimaa dhufe. Yaaddoon alaa fi manaa itti walfure. Gamtokkoon abbaan manaashee gatee bade. Manaa mucaasheellee waan ittiin

jiraachistu hin qabdu. Alaa immoo faashistiin Xaaliyaanii dachee ishee weeraruuf jira. Gidduu kanatti dhukkuba yaaddoon machoofte. Lubbuudhuma ishee fi ilmasheefillee sodaa cimaan guuttamte.

Boodarra garuu murtee tokko murteeffatte. Amma mucaan ishee Shaambal Abbabaan daa'ima jajjaba waggaa shanii ta'eefii jira. Hoolota akka namaa tiksee ykn ergamee akka jiraatuuf, ofiishee ammoo tooftaa biroo uummachuuf jecha ilmashee ganda "Dirmaa" jedhamutti mana namaatti galfatte. Shaambal Abbabaanis naannawa waggaa 5 nii ta'ee mana namaatti galuun ergaawwan ergamuu fi hojiilee xixiqqoo hojjachuu, Hoolota tiksuu eegale. Amma haati Sh/Abbabaa aadde Wuddinash abbaan manaashee lammataa jalaa badee....., mucaashee immoo mana namaatti galfattee jirti. Jireenya qofummaa mana onaa san qabatee teessee cirracha lakkoofiti. Haadha gootaa! Ilmi ishee hangafaa ajajaan dhibbaa Kinfuun ammoo abbaadhuma isaa fi haadha buddeenaa waliin jiraachaa jira. Jireenya haadha buddeenaa waliinii obsa gaafatti malee wal'aansoons itti hin ta'in, hin hafne.

Aadde Wuddinash waggaa muraasa qofaashee erga jiraattee booda....., wanti hunduu faallaa itti ta'aa dhufnaan mana onaa aanaa Abbichuu Jaatoo gad dhiiftee araddaatti nagaa dhaamtee gara Finfinnee imala eegalte. Finfinneettis eessuma ishee bira qubatte. Dachee Abbichuunis nagaatti jette..... Shaambal Abbabaanis jiruu mana namaatti ergamanii jiraachuu ho'ifatee jira. Haa ta'uu malee waggoota muraasa erga jiraatee booda jireenya mana ambaa dirqama gindillaa galagalchuu itti taatee, gatii humnasaa Re'oota lama kennaniifii fudhatee gara qe'ee haadhasaa Abbichuu, Jaatotti qajele. Haadhasaa yaade ijaan arguuf. **Haadha ji'a sagal garaatti baattee ciniinsuu guddaan deesse.**

Shaambal Abbabaan yeroo qe'ee haadhasaa gahu hin milkoofne. Qe'ee onaa, qe'ee mujaan irratti daggale, kan sinbirri irraa wuc---wuc--- hin jenne..... qe'ee abaaramtuu fakkaattu malee kan sagalee tokko jalaa qabee "Noor" jedheen hin jiru ture. Harkii fi fuulli haadhaa ifaan nama simatu sun hin jiru. Sagaleen haadhaa "Abbee koo, kichuu koo, mucaa koo anaa dhufu" jedhu

sammuu isaa keessaa itti iyyaa dhufes jimma jimmiite taate. Laftis naannooftteen. Garaanis roorra'e. Haatisaa Finfinneetti galtee jirti.

Boodarra namni ollaa mandara kanaa ta'e, "Waldamaaram Baqqalaa" jedhamu argee Shaambal Abbabaa fudhatee gara mana ofiittin galee loon tiksiiifachuu eegale. Sh/Abbabaanis loon W/Maaram Baqqalaas tiksaa, Re'oota isaa lamaanis tikfachuu itti fufe. Akka obbo Nagaash jedhanitti Sh/Abbabaan yeroo kana mucaa waggaa sagal yookiin kudhan ta'a.

W/Maaram Baqqalaa kun akkuma aadaa Salaaleetti beekamu....., Fardeen baay'ee qaba ture. Aadaadhumti warra salaalee farda gulufsiisuu, gugsii adeemuun adda dureedha waan ta'eef..., kun ammoo Sh/Abbabaaf carraa olaanaadha. Fardeen tabba, irraa gadee, qilee hin jedhu. Gulufsiisuu qofa. Loon tiksuu bobba'e garuu iddoo isaan jiranillee quba ishee hin qabu. Jaalala fardeen gulufsiisuuf qabu irraa kan ka'e. Ganamaa hanga galgalaa..... hojiin isaa kanuma ta'e. Kuruphee fi Illeettii ari'ee qaba. Hiriyoota isaa waliin qixa ari'uu yoo eegalan Sh/Abbabaan dursee qaba.

Yeroo Sh/Abbabaan loon tiksuu dhiisee Fardeen gulufsiisaa oolu kana loowwan midhaan namaa waan nyaataniif abbaan qabeenyaa Sh/Abbabaa himatee reebisaa ture. Isaaf garuu reebichi tapha mi'eessituu ta'ee itti mul'ata. Fardeen gulufsiisuu....., kuruphee fi Illeettii ari'ee qabuu dhiisuu dide. Sababa kanaanis maatiin inni bira taa'u warri W/Maaram "Maaf loon tiksuu dhiistee tapha akkas taphatta?" jechuun reebicha itti hammeessaa dhufan. Sh/Abbabaa amma reebichi itti hammaannan filannoonsaa gara abbaasaa deemuu ture. Abbaan isaa obbo Biqilaan Jiddaa, Gaangootti haadha manaasaa lammataa irraa ijoollee biraas horatee jireenya ho'ifatee jira. Sh/Abbabaanis amma W/Maaram biraa sokkee maatii kanatti dabalamee baay'atanii jiru. Abbaa isaa bira akka galeenis hin teenye. Abbaan isaas akka qonna qotu, loon tiksu taasise.

Sh/Abbabaan garuu dirqama itti taanaan malee hojiilee akkasiif baay'ee dhiphuu hin qabu. Osoo Fardeen garmaamsisaa ooli, bineensa ari'ii qabaa ooli....., jedhaniinii hiibbooshee taphata. Abbaa isaa birattis xinnoodhuma qotee qotiyyoo gadi lakkisee fardeen gulufsiisuu deema ture. Sababa kanaanis abbaasaa waliin walitti bu'uu eegale. Amma umriin isaas naannawa walakkaa soddomaa ta'eera.

Yeroo kana obboleessi isaa ajajaan dhibbaa Kinfuun haadhasaa barbaacha miilan gara Finfinnee qajeelee jira. Daldaltootni bara sana kallattii gara garaa irraa miilaan fe'aa gara garaa Gaangeen, Harreen fe'anii Finfinneetti daldalu ture. Afaan Amaaraan "*Siraaraa Naggaadee*" jedhamanii waamamu. Naannawa D/Birhaani fi Abbichuutii yoo ka'an guyyaa lama, sadi karaarra bulanii Finfinnee galu. Gaafa jalqabaa Burraa Gaaraa yoo bulan, guyyaa itti aanu immoo Sulultaa bulu. Guyyaa 3ffaatti Finfinnee *Sokorruu galu*.

Ajaajan dhibbaa Kinfuu Biqilaa daldaltoota kana waliin imaluun Finfinnee erga gahee booda iyyaaffannoo cimaa taasiseen haadhasaa fi eessuma haadhasaa argate. Eessumni haadhasaa kunis Ajajaa Dhibbaa Kinfuu akka argateen gammachuun ofitti fuudhee, "Kibur Zabanyaa" Hayilasillaasee taasisee Fardeen ciccimoo akka leenjisuuf qacarsiise. Kana jechuun fardeen ciccimoo H/Sillaasee simatan leenjiseet yeroo qophii gara garaa, yeroo mootichi biyya alaattii galuu fi imalu fa'i H/Sillaaseen simata. Dirree "*Hurufa Boonbii*" /Jaalmeedaa/ jedhamuun beekamutti. Iddoo kanatti Fardeen ciccimoo leenjisee waardiyaa kabajjaa H/Sillaasee ta'uun....., ittiin simata ture. Obboleessi isaa Sh/Abbabaanis yeroo kana abbaasaa waliin walii galuu hin dandeenye. Hojiin itti ulfaachaa yeroo dhufu....., innis nuffaa dhufe.

Boodarra garuu innis waggaadhuma obboleessi isaa sokketti bara 1944 daandiidhuma obboleessaa qabatee daldaltoota waliin haadha fi

obboleessa isaa barbaacha gara Finfinnee qajeele. Barruu xiqqaan garee qorannoo Waajjira Aadaa fi Turiziimii aanaa Jiddaan maxxanfante (2010:14) akkas jechuun ibsa;

"Abbabaanis bara 1944 umrii waggaa 17 n waggaa obboleessi isaa deemetti Finfinneetti galee, Kibur Zabanyaa ta'e. (A member of the imperial bodyguard of Haile Selassie)"

Shaambal Abbabaan akkuma daldaltoota waliin imalee **Sokorruu** ga'een, gara itti garagalu fi maatisaa itti argatu dhabee achumatti rakkatee hafuuf dirqame. Jireenyi gooticha egereen isaa addunyaaf qoricha ta'uuf jiru, yeroof mana namaa jala taate. Saantima xinnoo guduunfatee manaa ba'een jiraachuu eegale. Siraaraa Naggaadonnis dhiisanii biraa sokkan.

Haa ta'uu malee, naannuma Sokorruu inni jiraatu kanatti dubartiin mana nyaataa wayii qabdu tokko ishee gargaaraa akka jiraatuuf of biratti fudhatte. Innis ishee biratti hiiqee jiraachuu eegale. Yeroo kana namootni mana dubartii kanaatii nyaata fayyadaman Sh/Abbabaan eessaa akka dhufe, eessa akka demu..., maal akka dhabe..., ni haasofsiisu ture. Innis iccitii isaa guutuu haadhaa fi obboleessa isaa barbaacha akka dhufee fi akkamitti dacheesaarraa akka bahe..., eessaa akka dhufe itti himate. Kanumaan namni tokko obboleessa isaa fi haadhasaa akka barbaadee arguuf waadaa galeef.

Akkuma waadaa galeenifis barbaacha eegale. Iddoo deemettis "Namni haadhaa fi ilma naannoo Abbichuutii dhufan iddoo jiran beeku mee jiraa? Yoo dhageessanii beektanis....." jechuun iyyaaffannoo cimaa itti fufe. Tattaaffii fi dadhabbii guddaa booda milkiin Ilillii facaastee haadha Sh/Abbabaa naannawa *Imbaasii Naayijeeriyaa* irraa gara kaabatti manneen Xaaliyaaniin yeroo waggaa 5 turte ijaarte keessatti argatan.

Finfinneen yeroo kana akka har'a galaana bal'aa taate kana osoo hin taane, mandara xinnoo qe'ee Oromootaa turte. Ajajaan dhibbaa Kinfuun ammoo yeroo kana Kibur Zabanyaa ta'ee Fardeen leenjisa ture. Shaambal Abbabaa Biqilaan amma haadhasaa fi obboleessa isaa argatee akka daa'ima daaddisaa..... gammachuu isaa ibsachaa jira. Waaqa isaa galateeffata. Haati isaa yeroo kana manneen Xaaliyaanin ijaarte kana keessatti jirbii foo'aa, nyaata gara garaa hojjattee gurgurti turte.

Eessummi haadha Sh/Abbabaa kun ammas akkuma obboleessaa Sh/Abbabaas Kibur Zabanyaa H/Sillaasee akka ta'uuf qacarsiise. Seenaan kee yaa jijjiirramu, maqaa kabajjaa uffadhu yoo jedhame hangasuma. Galaana nama hin ceesisu. Sh/Abbabaanis leenjii waardiyummaa kabajjaa H/Sillaasee kana akka fudhatuuf gara iddoo leenji **"Kibur Zabanyaa Xabaasee"** jedhamu naannawa cinaa D/Birhaanitti argamuu geeffame. Ji'oota muraasa iddoo leenjii kanatti erga leenji'ee booda leenjii biraatiif ammoo gara **"Fiichee Galiilaa"** tabba magaalaa Shanoo fi Alaltuu gidduu jirutti imale.

Sh/Abbabaan nama xiiqii qabatu. Nama amalaan malee lolaan tole hin jenne, yoo jaalalaan itti dhufan ammoo kan moo'amu ture. Benyumti akka barbaadanitti hin ajajan. Yeroo iddoo leenjii kana jiru ajajaan isaa yeroo hunda akka fedha isaatti waan ajajuuf Sh/Abbabaan isa kana hin fudhatuuf. Kanaafis ajajaan ol'aanaan isaa yeroo garagaraatti **"Adabbii ispoortii"** adabaa ture. Gosa ispoortii garagaraa, utaalchoo, push-up fi fiigicha istaadiyeemii naanna'ee akka dhufu fa'i gochaa ture. Sh/Abbabaan garuu fudhatee hin ajajamuuf. Dafee dallana. Ni aara. Humna guddaas qaba waan ta'eef dirqama seerummaa bahuuf malee gootummaa sanyii Salaalee ta'uus ijaan itti agarsiisaa ture.

H/Sillaaseen *Onkolooleessa* 1923 Gonfoo Nugusaa uffatee gara bulchiinsa biyyattiitti waan dhufeef waggaa waggadhaan guyyaan kun

ni kabajama ture. Akkuma wayyaaneen caamsaa 20 kabachiisaa turte jechuudha.

Osoo shaambal Abbabaa Biqilaa fa'i leenjii Fiichee Galiilaa kanarra jiranii..... ergaan tokko qaama hooggantoota mootummaa H/Sillaasee irraa dhufe. Ergichi dhufes akkas jedha. "Qaamni hoomaa waraanaa kamuu, hoomaa waraanaa, poolisii, waraana galaanarraa, waardiyaa kabajjaa, poolisii addaa/faxinoo daraash/ kan turee fi kkf.... hunduu guyyaa kabajjaa ayyaana H/Sillaasee kana sababeeffachuun guyyaa bara kanaa irraa eegalee.... hoomaan waraanaa hunduu dorgommii ispoortii gareen akka taasisu" kan jedhu ture.

Kanumaan garee kanneen hunda keessayyuu filamanii leenjii ispoortii kana fudhatanii akka dorgomaniif qopheeffaman. Garee leenjii Waardiyaa kabajjaa Fiichee Galiilaa jiru keessaa dorgommii fiigichaan shaambal Abbabaa Biqilaatu filame.

Kunis kan ta'e, dandeettiin Sh/Abbabaa ilaalamee isa fayyaduuf ykn maqaa biyyaa nuuf yaamsisa jedhamee osoo hin taane, ajajaa ol aanaan Fiichee Galiilaa irratti isaan leenjisu Sh/Abbabaatti aaree waan jiruuf, shaakala ispoortiiin dadhabsiisuuf ture. Sh/Abbabaan akka fedha isaatti waan hin ajajamneef qofa adabbiif ture. **"kun asitti hanga nu rakkisu achi narraa yaa deemu. As taa'ee na rakkisuu malee nan fayyadu. Achi deemee shaakalaan yoo dhadhabe"** jechuun gara atileetiksii akka deemu godhe. Raacha lubbuun jirtu ajjeesne jedhanii bishaan keessatti gad darban.....

Sh/Abbabaanis leenjii atileetiksii kanaaf Hurufa Boonbii/Jaalmeedaa seene. Qophii fiigichaas taasisa. Guyyaa dorgommii kanas atileetota kanneen akka Bashashee Fallaqa, Nugusee Roobaa, Waamii Birraatuu, Maammoo Waldee, Maraawwii Gabruu fi kkf waliin fiiganii Sh/Abbabaa Biqilaa 2ffaa ba'e. Waamii Birraatuu 1ffaa, Maammoo

Waldee 4ffaa bahuun biyyattii bakka bu'an. Barri Kun kudha sagal shantamoota (1950?) keessa ture.

Baroota kana keessa H/Sillaaseen biyya Suwiidiin waliin walii galtee cimaa qaba ture. Kanaaf biyya Suwiidiin irraa hoomaa waraanaa isaa hunda kan ammayyeessu nama **"Onni Ninkanen"** jedhamu qacaratee namni kun tajaajila kennurra jira ture.

Kabaja ayyaanaa kana irratti dorgommiiwwan adda addaa taasifame keessaa Sh/Abbabaan fiigichaan 2ffaa ba'e. Guyyaa kana leenjisaan biyya Suwiidiin Ninkanen Sh/Abbabaa akkaataa inni itti fiigu, ilaalee dhiisuu dide. Haalli fiigicha isaa, haalli ijjannoo isaa, haalli hojjaa/dheerina/ isaa, haalli kotte itti fuudhu..... hundi Ninkanen ni booji'e. Akkanumatti ilaalee boriin isaa atileetii akkam ta'uu akka danda'u tilmaame. Kanaaf H/Sillaasee bira deemuun Sh/Abbabaa Biqilaa Kibur Zabanyaa /Waardiyaa Kabajjaa/ keessaa baasee gama atileetiksiin akka leenjisu fedhuu fi akka eyyamuuf gaafate.

H/Sillaaseenis eyyameefii Ninkanen Sh/Abbabaa fi atileetota biroo gurmessee leenjisu jalqabe. *Finfinneedhaa hanga Bishooftuu, Bishooftuudhaa hanga Finfinnee, Finfinneedhaa..... gara tabba Inxooxoo* fiiguun akka shaakalan taasise. Shaakala isaaniis cimsanii hojjatanii of qopheessan. Shaambal Abbabaan yeroo shaakallii kana miila duwwaa /kophee malee/ fiiga ture.

Haala akkanaa kanarra utuu jiran Bara 1960 A.L.A. tti Itoophiyaan **"Olompikii Room"** irratti akka hirmaattuuf affeeramte. Sana dura biyyi Itoophiyaa fiigichaan beekkamtii hin qabdu. Biyyoota akka Morookoo, Aljeeriyaa fa'itu beekamu ture.

Dorgommii guddicha addunyaa biyya *Xaaliyaanii* magaalaa Room irratti adeemsifamuuf jedhu kanarratti miila duwwaa fiiguun akka hin

danda'amne hubachiisanii Sh/Abbabaafis kopheen kenname.

Fulbaana 11 bara 1960 A.L.A. ture. Atileetotni biyyoota garagaraa irraa dirree Room irratti wal gahanii jiru. Hunduu fiigichaaf tarree galanii onneen takkaa moo'ichaa, takkaa moo'atamuu dhikkisuu..... eegalte. Yeroo **"Rookkeettiin fiigi!"** jedhu dhuka'u Sh/Abbabaa Biqilaa kophee ofirraa qabu, ofirraa darbatee miila duwwaa magaalaa Room keessa burraaquu eegale. Kopheen inni kaawwatee ture kun miila isaa qabdee waan nyaattef ture.

Guyyaan fiigichaa kun galgalarra waan ta'eef, lafti dukkanaa'aa dhufe. Kanaaf jecha namootni doowwatan hundi akka mul'atuuf/ifuuf/ jecha daandii irratti **"Daamotii"** ykn ibsaa, ibsaa turan. Gootichi Oromiyaa Shaambal Abbabaan miila duwwaa isaa magaalaa Room keessa qajeelera.

Namoota doowwiif ba'an miti gaazzeessitootni waraaban hundi miila duwwaa fiigu Sh/Abbabaa kana ilaalanii itti kolfu turan. Namootni dirree Room irra ijaajanii jiran marruu quba itti qabaa, wal agarsiisaa qasa'anii kan kolfanii fi kan lafarra gangalatanis danuu ture. Hanga iccitii fi eenyummaa gootichaa baranittis ilaalcha hiyyummaa fi duubatti hafummaa biyya Itoophiyaa sammuu keessatti of kuusan. Hanga Dungoon moo'ichaa ifutti yaada kennuu fi taajjabbii baay'isan.

Shaambal Abbabaan *miila duwwaa isaa km 42.195* fiigee Riikardii *haaraa* galmeessuun sa'aatii 2:15:16.2 tti yeroo galu ummatni Room kolfaa ture, hunduu afaan qabatee raajii ta'eef, ija keessa wal ilaalutti ka'an. Oduu haaraan adda ta'e addunyaatti faca'e.

Miidiyaan hunduu wal jalaa qabee raajii jedhe. Biyyootni akka Ingiliizii, Jaarman....fi kkf hedduun gurra gooticha Itoophiyaa miidiyaan olkaasanii lallaban. **"ጣሊያን በብዙ ወታደሮች ሆኖ ኢትዮጵያን**

ወር ልይዝ አልቻለም፣ አንድ የኢትዮጵያ ምልሻ ግን ሮምን አንቀጠቀጠ” kana jechuun “Xaaliyaaniin waraana kumaatamaa oliin Itoophiyaa weeraruu dadhabde; milishaan Itoophiyaa tokkichi garuu Room too’ate” jechuun Xaaliyaanii haamlee isaanii cabsaa turan. Gurra shaambal Abbabaa Biqilaa olkaasanii waliin furguuggatan. Oduun addunyaa kanuma ta’e. Yeroo Sh/Abbabaan miila duwwaa aspaaltii irra km 42.195 kana fiigu “Kun namaa garuu?” Hanga jedhanii ajaa’ibsiifatanittis ga’an.

Itoophiyaan yeroo jalqabaaf Olompika Room kanarratti hirmaattee Meedaaliyaa Warqee Sh/Abbabaa Biqilaa argamsiiseen addunyaarraa sadarkaa 22ffaa baate. Olompika kana irratti injifatee gara biyyaatti yoo deebi’us Sh/Abbabaaf simannaa guddaatu ta’e. Itoophiyaa guutuun burraaqee..... keessi isaanii ifaan guutame. Gochaa Xaaliyaaniitu keessa isaanii jira waan ta’eef injifannoo lammataa argatan.

Hayila Sillaaseenis gammadee kabajjaa guddaan Sh/Abbabaa simate. Bara H/Sillaasee keessa Afaan Oromoon sirbuu miti dubbachuunuu gad qabaan ture. Weellistoota Oromoo lubbuusaanii kennanii sirban kan akka Birraatuu Lammaa fa’i yoo ta’e malee.

Guyyaa Sh/Abbabaan injifannoon gale kana garuu, ummatni Finfinnee guutuun Afaan Oromoo fi Amaaraa wal keessa makuun sirbanii ittiin leellisan

Ohoo ya shaggituu (2)

Abbabaa Biqilaa Yaagabaashaal

Xilaahun Gassasaa Yaadirishaal..... jechuun gammachuu ibsatan.

Artist Xilaahuun Gassasaa yerichas..... yoomis baay’ee beekkamaa fi kabajamaa ilma Oromoo waan ta’eef, kabajaa Sh/Abbabaa fi Artisti

Xilaahuunii qaban ibsuuf akkasiin sirbaniif.



Shaambal Abbabaa Biqilaa 1960 Olompikii Room irratti

Shaambal Abbabaa Biqilaa erga simannaan ta’eefi booda kaampii leenjiitti deebi’ee leenjii fi shaakala isaa itti fufe.

Kanumaan osoo jiranuu bara 1952 H/Sillaaseen yeroo biyya Biraaziil daawwachuuf imalu *Garmaamee Niwaay fi Mangistuu Niwaay* Obboleewwan lamaan fonqolchaaf mootii H/Sillaasee irratti yaalii taasisan. Milkaa’uu baatanis ministeerota olaanaa H/Sillaasee hedduu fixanii jiru. H/Sillaaseenis saffisaan ofirra deebi’ee namoota hedduu irratti tarkaanfii gurguddaa fudhate. Garmaamee fi Mangistuus fannoo fi du’atu laatameef. Hoomaan Waraanaa garagaraa fi namoonni shakkaman hedduun mana hidhaatti guurraman. Shaambal Abbabaa Biqilaanis Kibur Zabanyaa keessa waan jiruuf, shakkamee carraan mana hidhaa galuu isa qaqqabde.

Haa ta’uu malee..., turtii booda gartuun hundi isaanii sakatta’amuun Sh/Abbabaan hojii sana keessatti hirmaatee waan hin jirreef bilisa ba’e. Yeroo kana booda amma dandeettii isaa shaakala cimsachaa dhufe. Biyyoota adda addaa irrattis dorgommii hirmaachuu itti fufe. Waggaa 4ffaa olompikaa Roomitti, ammas bara 1964 A.L.A. gara *Jaappan* imaluun magaalaa “*Tookiyoo*” irratti yeroo 2ffaa Sh/Abbabaa Biqilaan maaratoonii sa’aatii 2:12:11.2 n xumuruun *Riikardii* isaa biyya Xaaliyaan Room irratti qabu cabsee..... addunyaa ajaa’ibsiise.

Dorgommii kanarratti *Meedaaliyaa* Warqii Sh/Abbabaan argamsiisen biyyi Itoophiyaa addunyaa irraa 25ffaa baate.

Shaambal Abbabaan fiigicha maaraatoonii qofa osoo hin taane, fiigicha KM adda addaa yeroo adda addaatti biyyoota akka Ispeen, Beeljiyeem, Jaarman, Jaappan, Kooriyaa kibbaa fi k.k.f tti fiigee dorgommiiwwan hedduu moo'ateera. Yeroo Room irratti fiige *lakk. 11*, Tookiyoo irratti ammoo *lakk.17* uffatee ture. Bara 1968 A.L.A ttis yeroo sadaffaaf Maaratoonii Olompikii 16ffaa fiiguuf gara "*Meeksikoo*" magaalaa "*Meeksikoo Siitii*" imale. Fiigicha akka eegalaniinis Shaambal Abbabaan fuulduratti aanee sadarkaa 2ffaarra ture. Haa ta'u malee, KM 15 akka fiigeen..... miilli isaa jala waan miliqeef addaan kutee bahuuf dirgame.

Yeroo addaan kutee bahuuf jedhu kana suuta jedhee atileet "*Maammoo Waldeetti*" hiiqee, "*Biyya keenya hin salphisin!, maqaa hin balleessin, anaaf gamtee*" jecha jedhu qofa dubbatee addaan kutee bahe. Gootichi yeroo dirqamni qabdu, jaalala biyyaaf qabuuf, imimmaan jaalalaa, biyyaa dhangalaasaa adaraa hiriyaasaatti dhaammate.

Atileet Mammoo Waldees adaraa hiriyaasaa fi biyyasaa galmaan gahuuf ciniinnatee xilqiin fiiguun 1ffaa ba'e. Biyyasaafis seenaa galmeesse. Sa'aatii 2:26.2 n moo'ate. Atileetotni biyyoota biroo Shaambal Abbabaa eegaa turan. Akka seenaa addunyaatti hanga har'aatti....., biyyi Maaratoonii Olompikii tartiibaan yeroo Sadii walitti aansitee injifachuun Warqee argatte Itoophiyaa qofa. Shaambal Abbabaa Biqilaa bara (1960,1964) A.L.A. Maammoo Waldee ammoo (1968) A.L.A. tti moo'achuun maqaa biyyasaanii addunyaa irratti ol kaasan.

Seenaa ta'ee hanga har'aattillee kan hafee fi addunyaan illee biyya Itoophiyaa atileetiksii irratti kan ittiin yaadattu, Shaambal Abbabaa

Biqilaa, Room irratti miila duwwaa fiigee Maaraatoonii injifachuu isaati. Riikardiin inni cabse, yeroo ammaa Atileetota garagaraan fooyya'eera. Haa ta'uu malee, hanga har'aallee Riikardiin isaa miila duwwaan figamee cabuu hin dandeenye. Cabsuu miti, gara fuulduraattillee fiiganii xumuruu akka hin dandeenye beektonni Ispoortii garagaraa ni dubbatu. Barruu garee qorannoo Waajjira Aadaa fi Turuziimii aanaa Jiddaa (2010:20) dubbii (IAAF) wabeeffachuun yoo ibsan.....,

Abebe Bikila (1932-1973 G.C), Ethiopian track and field athlete, who won two Olympic gold medals in the marathon. The marathon at the 1960 olympic Games in Rome, Italy was only Bikila's third race at this distance, but he set a new world best time of 2 hours 15 minutess 16.2 seconds and also attracted attention by running the race barefoot (the designation world best is used instead of record because marathon courses differ greatly and a comparison of finish times is difficult)

Jechuun ciminii Sh/Abbabaa addunyaaf akka ta'e ibse. Shaambal Abbabaan erga imala moo'annaa kanneen gonfatee booda shaakala isaa cinaatti...., ummata Oromoofis jireenya isaanii mijeessuu keessatti hirmaachuu jalqabe. Misooma biyyasaa guddisuuf qabsoo cimaa taasise. Daandii magaalaa Shanootii kaasee hanga....., Abbichuu Jaatotti jirus hojjachiise. Haala kanaan osoo sosochii adda addaarra jiruu Shaambal Abbabaa bara 1961 kan hin yaadamne isa mudate. Gooticha sabaa, goota addunyaarratti maqaa biyyaa olkaase. Sh/Abbabaa Biqilaa miidhama cimaatu isa mudate. Qaamni isaa guutuun sochiin ala ta'e. Akka ta'eenis ta'u...., gootichi miidhame.

Haala midhama isaa kanarratti hanga har'aatti yaadolee garagaraatu jiru. Gareen tokko konkolaatatu rukute jedhu. Gareen tokko ammoo diina isaa ykn nama inni wal lolee jiruunituu eeggatee humnaan qoricha qaama isaa hojiin ala godhu waraane jedhu. Gareen tokko ammoo bara 1961 yeroo warraaqsi barattootaa (students revolation)

ture, osoo barattoota Finfinnee tasgabbeessuuf imalu balaa konkolaataa irra gaheen du'e jedhu.

Akkas ture, obbo Biqilaa Waaqjiree lafa aanaa Jiddaa Gaangodhaa qabachuusaa olitti xugeera. Yeroo obbo Biqilaan du'an lafa kana abbootiin lafaa naannawa san jiran jalaa fudhatan. Shaambal Abbabaan falmii fi himannaa lafa abbaasaa kanaaf gara magaalaa D/Birhaan deddeebi'aa ture. Lafti abbaa ofii lafee dhaloota lafaa dhufaati waan ta'eef, callisanii galoo karaa adeemu hin nyaachisan. Akka uffataa ofirraa baasanii ormatti hin uwwisan. Callisanii ilaalanii hin callisan. Gidiraa saamichaa diiganii dhaala abbaa ofii kabachiisan. Kanaaf imala eegale.

Gaaf guyyaa 3 Guraandhala 1961 Sh/Abbabaan hanga naannawa sa'aatii 4:00 tti magaalaa Shanoo ture. Naannawa sa'aatii 5:00 yoo ta'u, Konkolaataa isaa H/Sillaaseen badhaase "Beetles Volkswagenii" nin gara Finfinnee galuuf ka'e. Gara D/Birhaanii dhufe ture.

Yeroo kana karaa gubbaarratti namni diina isaa ta'e kun konkolaataan ibsaa guddaa irratti ibsee akka hin sochoone dhoorke. Sh/Abbabaan aaree konkolaataasaa keessaa gadi bu'ee yeroo loluuf jedhu, jarri waraana baay'ifatanii waan dhufaniif, Sh/Abbabaa rukutanii buruqsan. Summii qaama namaa laamshessus, lilmoodhan waraananii of wallaalchisan. Konkolaatan akka konkolaataa biraan walitti bu'ees..... fakkeessanii fuuldura konkolaataa isaa cabsan. Walakkaa qaama isaa ol konkolaataa keessa, mudhii gadi ammoo ala baasanii achumatti dhiisanii sokkan. Sh/Abbabaan achuma bule. Bari namootni konkolaataa D/Birhaanii dhufu keessa jiran arganii fuudhanii..... Hospitaala Daagimaawwii Minilikitti geessan. Achittis fayyuu waan hin dandeenyeef H/Sillaaseen biyya Ingiliizii Loondanitti ergee akka yaalamu taasise. Ta'uus Sh/Abbabaan gara biraa hanga tokko fooyya'uu....., naafachuu jalaa bahuu hin dandeenye. Nama haala

kana irraan gahe kana gochi isaan irratti wallolan saalfii waan ta'eef H/Sillaasee sodaatee dhokses jedhama. Haala miidhamuu Sh/Abbabaa armaan olii kana seenaasaa kan himan obboleewwan isaa ture. Barruun garee qorannoo Aadaa fi Turiziimii aanaa Jiddaas (2010:21) yaada kana lafa kaa'aniiru.

Jeneraalli Baqqalaan ----- kun raayyaa ittisa biraa waliin karaatti eegee ibsaa konkolaataa itti ibsan. Abbabaan aaree konkolaataa keessaa bahuudhaan yeroo namichaan walqaban, Abbabaan kophaa waan tureef isaan namoota hedduu loltuu fi kashalabboota waliin Abbabaa mataa rukutanii dhiigsan. Yeruma sana summii nama laamshessu, lilmoodhaan waraananii of wallaalchisan.

..... asirratti wanti hubatamuu qabu, Abbabaan iccitii kana himee namichi jeneraalli Baqqalaa akka adabamu gochuu hin barbaanne. Sababni isaas wanti isaan irratti wal lolan saalfii waan ta'eef, H/Hayilasillaasee sodaaf baasuu dhiisan. Yaada kana iccitiidhan obboleettii isaa kan jaalatu kan har'a lubbuun hin jirre aaddee Xilaayee Biqilaatti akka hime, obbolaan ishee kan lubbuun jiran aaddee Xiggee Biqilaa fi Simee Biqilaatu nutti hime. Isaanuu yaada kan akka iccitiitti waan qabanii jiraniif akka namatti hin himne nutti dhaaman.

Jechuun lafa kaa'an. Gareen biroo ammoo bara 1961 yeroo Warraaqsi barattoota Finfinnee keessa turetti, utuu baraattoota kana tasgabbeessuuf konkolaataa isaa Beetles Volkswageniin adeemuu balaa konkolaataa irra gaheen miilli isaa miidhamee adeemuu isa dhoorke. Kana booda bara 1965 dhibee sammuu (cerebral haemorrhage), kan balaa konkolaataa sanaan walqabateen addunyaa kanarraa boqate jedhu.

Dhaabbannii Atileetiksii addunyaa ammoo (IAAF) Abbabaa Biqilaa balaa konkolaataan du'e, jechuun beeksise. Kanas ta'u san, gootichi Oromoo addunyaarraatti raajii hojjate, xaxaanis xaxamu bara 1961 miidhaa cimaaf saaxilame. Qaamotni isaa hunduu hojjachuu didan.

Biyya alaatti ergamee akka yaalamu ta'us naafachuu qaamaa/ paralyzed/ ta'uu irraa hin hafne. Erga miidhamee booda biyya Ingiliizii Loondoonittis faranjiin tokko leenjii qaama miidhamtootaa (*Para Olompic*) leenjisuun dorgommii Wiilsheerii fi darbannaa gara garaas moo'uun qabxii olaanaa galmeessisee jira. Egaa namnis hammaatu, biyyoonis garaa jabaatu gootnis lubbuu du'a hin oolu. Sababuma miidhama isaa kanaan walqabatee gaafa guyyaa 15/2/1965 Shaambal Abbabaan boqote. Mana amantaa bataskaana Yooseef kan Finfinneetti argamutti bakka namootni kuma 75 nii olii fi loltoonni H/Sillaasee 10,000 hiriiran jiranitti awwaalame.

Shaambal Abbabaan barnoota ammayyaa yeroo Finfinnee jiru hanga kutaa 5ffaa baratee jira. Haadha warraa Yawubdaar W/Giyoorgis jedhamtu waliinis bultii ijaarratee ijoollee 6, Garramuu Abbabaa, Alambajjuu Abbabaa, Daawwit Abbabaa, Yetinnaayet Abbabaa, Tafarii Abbabaa fi Tsiggee Abbabaa kan jedhamanis horatee jira. Ijoolleen 3 Lubbuun kan hin jirre yoo ta'u....., isaan keessaa Daawwit yeroo Alqaa'idaan gamoo Ameerikaa dheericha Addunyaa guban, achi keessatti du'e. Yetinnaayet ammoo biyya Jaappaan jiraachaa jira.

Biyyi Jaappaan Shaambal Abbabaa Biqilaa dinqisiifatanii siidaa guddaa ittiin yaadatan.... magaalaa Tookiyoo keessattii ijaaraniif. Biyya Ameerikaa keessattis Istaadiyeemii guddaan maqaa Shaambal Abbabaa Biqilaan, moggaafamee ijaaramee jira. Biyya keessatti ammoo magaalaa Finfinnee fi Adaamaa fa'itti Istaadiyeemiin maqaa Sh/Abbabaa Biqilaan moggaafame dhaabbatee kan argamu yoo ta'u, aanaa Jiddaa, Jaatoo fa'i keessatti ammoo maqaan M/B ittiin moggaafameera.

Hub:- Iddoo dhaloota Shaambal Abbabaa Biqilaatti aanaan Jiddaa fi aanaan Abbichuu wal falmaa tureera. Haa ta'u malee...., aanaan Abbichuu fi Jiddaas ummata Oromooti. Shaambal Abbabaa Biqilaas Oromoo ta'uu qofti gahaadha. Iddoo dhalootaa osoo hin taane, Oromoota hidda tokkoo ta'uu qofa hin dagatinaa!

8. Zawugaa Booji'aa (1912-1968)



“Ilmi Oromoo, Oromoodhaf Waardiyaadha”

Dirree goototaa....., kan akka Fiitawraarii Haabtagiyoorgis Diinagdee gooticha Aduwaa, kan akka gooticha ogbarruu fi aartii Looreet Tsaggaayee G/madiin Qawweessaa, Zawugaa Booji'aa, Maammoo Mazammir, Koloneel Alamuu Qixxeessaa, Looreet Pirofeesar

Gabbisaa Ejjataa, goota aartii abbaa kalaqa alaabaa Gamtaa Afrikaa Yaadnessaa Zawugaa, Olaanaa Zawugaa abbaa kitaaba (Gizaat innaa Gizoot), Jaagamaa Keelloo, Mul'ataa Badhaanee(Abbaa Jigsaa), Abbaa Dooyyoo fi kkf.... kan taate, Amboon dachee seenaa qabeettii Lixa Shawaatti argamtu, biyyarra darbee addunyaarratti maqaan ishee kan olka'ee dha.

Dirree qabsoo..., dirree tokkummaa....., waliif birmannaa....., waliin leetoo....., dirree waliin nyaatee waliin du'u....., dirree waliin qabsaa'ee waliin bilisoomu....., dirree eenyummaa sabasaaf ciisa dhabu....., bultee Orom durii aadaa jilasaa kan bulfatuudha. Warra akkas kana keessaa immoo, Magaalli Gincii daandii bilisummaa Oromiyaa dhiyeenya kana mijuu qabateef, adda duree ta'uu....., biyya miti addunyaan ragaa ba'a. Kun immoo achii as dhuftee gootota kaleessaa irraa dhaalamuu seenaan Zawugaa Booji'aa fi Mul'ataa Dajanee ni hima.

Zawugaa Booji'aa abbaasaa Giraazmaach Booji'aa Asaquu fi haadhasaa aadde Zannabach W/Mikaa'el irraa bara 1912 godina Shawaa Lixaa, aanaa Dandii, ganda Jawwee Buriitti dhalate. Gara abbaan Abeebbee gosa Ganjii yommuu ta'u..., gara haadhaan ammoo Ilfataadha. Ilmi hangafaa obbo Zawugaa maanguddoo Warquun dhuftee sanyii duuba abbaasaa kana akkasiin lakkaa'a. Zawugaa Booji'aa, Booji'aa Asaquu, Asaquu Horaa, Horaa Ginnoo, Ginnoo Araddaa, Araddaa Noonnoo, Noonnoo Dalagsaa, Dalagsaa Abbayyii, Abbayyii Ganjii, Ganjii Kuraa, Kuraa Alii ta'uu hima.

Zawugaan obboleewwan torba wajjin kan dhalate yoo ta'u, umriisaa xiqqummaatti garmaama fardaa kan jaallatuu fi hirirootni isaa kan itti hin gitne, nama fuulleen boodasaa iccitii ciminaa himu ture jedhama. Haadha warraa aadde Tasfaayee Allabbaa jedhamtu waliin bultii ijaarratee ilmaan hedduus godhatee jira. Warquu, Faanayee, Hayiluu, Olaanaa, Asaffaa, Ajajaa Kumaa Silashii, Xahaay, Elsaabeet,

Solomoon, Amsaalaa, Asiraat, Haannaa, Hiruut, Iskendar, Maartaa fi goota aartii artist Yaadnessaa Zawugaa ilmaan isaa turan. Yeroo ammaa baay'een isaanii biyya Ameerikaa jiraatu. Oromoon ilmi tokko abbaatti ba'a, tokko abbaa caala jedha. Maatiin Zawugaas akkana. Gaheen isaan addunyaa keessatti taphatan....., biyya abbaasaanii akka boonsu taasise. Olaanaa Zawugaa yeroo biyya keessa turetti, siyaasa biyya kanaa karaa qajeeltootti fiduuf gahee guddaa taasise.

Akkasuma kitaabni isaa (Gizaat innaa Gizoot) jedhu jalqaba himaa seenaa gootota biyya kanaa fi seenaa ijaarama Waldaa Maccaa fi Tuulamaa lafa kaa'urra darbee barreessitoota hedduufis wabii fi ka'uumsa ta'ee jira. Sababa maxxansa kitaaba kanaanis yeroo sana dhiibbaan adda addaa irra ture. Ogeessi aartii, Yaadnessaa Zawugaan ammoo, Alaabaa Gamtaa Afrikaa nama hojjate, ogeessa cimaa dacheen Dandii sanyii warra Horaaf laateedha. Akkasumas dhiheenya kana "Agarsiisa pirojektii" namoota shiraan Oromiyaarratti du'an 327 maqaa, suuraa, bakka itti ajjeefaman waliin galmeessee seenaa haquummaaf kaa'eera.

Waraana dur lafa babal'ifannaaf wal waraanaa turan keessatti, abaabayyuu Zawugaa Horaa Ginnoof murteen murteeffamtee Shawaa Lixaa naannawa Amboo, Walisoo, Galaan fa'i dursummaan hoogganaa ture. Horaan duunaan hooggansi Asaquuf laatamte. Asaquun duunaan Booji'aan fudhate. Obbo Booji'aan naannoo Abeebbee Qeerransaa baalabbaatummaan bulchaa turee bara 1944 yoo boqotu, ilmisaa Zawugaan immoo irraa fudhate.

Zawugaan goota haqaaf du'u. Sabasaaf hojjachuuf homaa ofitti hin qusatu. Jireenya isaa keessatti hojiiwwan gurguddaa fi bu'uura ta'an sabasaaf hojjachaa jiraate. Sirna Hayilasillaasee nama nyaataa waa'een Oromootaa akka hin kaane fedhu sana keessatti sodaa tokko malee eenyummaa sabasaaf mormaa, dhukkubsachaa ture. Nama beekaa

baay'ee dubbisuu jaallatuu fi yeroo hunda gaazzexaan harka isaatii hin dhabamneedha. Bara 1952-1953 tti bulchaa ganda Boddaa ta'uun gahee olaanaa taphatee jira. Gandhi Boddaa kun iddoo dhaloota Fitawraarii Haabtagiyoorgis Diinagdeeti.

Fiitawraarii Haabtagiyoorgis Diinagdee goota Aduwaa diina Xaaliyaanotaa ture. Keessattuu jechi inni ittiin beekamu, Shallamaa (2010:60) yoo ibsu, yeroo Ingiliizotni Keeniyaa Itoophiyaa seenanii turan, Booranaa fi ummattoota Kibbaa gidduutti lola guddaa ta'een....., Ingiliizotni gidduutti du'anii turan. Kanaaf Ingiliizotni "Lafti lammiileen keenya irratti du'anii fi dhiigni isaanii irratti dhangala'e gad hin dhiisnutii nuuf ta'uu qaba. Siidaas irratti ijaarranna," jechuun Fitawraarii gaaffii doorsisoo fakkaatuun doorsisan. Fiitawraariinis irra keessaa dhikkisee kolfee "Isinis Alamaayyoo Tewodroos Laandan geessitanii ajjeestaniittuu; lafa siidaa irratti ijaarrannu Laandanii nuuf kennaa" jedhee Ingiliizota saalfachiisee of duuba garagalche.

Zawugaan bara 1953 booda 1954-1966 tti ammoo ummata Amboon filamee, bakka bu'aa ummataa /paarlaamaa/ yeroo san Jibaatinnaa Maccaa jedhamu ta'uun, hojiilee boonsaa hojjatee jira. Mana yaalaa ijaaruu, karaa, Riqicha, mana barumsaa ijaaruu fi sochii barattoota mana barumsaa Amboo cinaa dhaabbatee yeroo barattoonni hidhaman obbo Argaawu Dinqaa fi hiriyoota isaa kaan waliin falmii seeraa godhanii jiru. Akkasumas 1962-1965 tti, itti gaafatamaa misoomaa Daandii Amboo ta'uun....., daandii Walankomii Gindabarat geessu, daandii Gudarii Wancii geessu, daandii Gudarii Shanan geessu hojjachuun bu'uura misoomaa hedduu fakkeenyummaa qabu dhiisee deeme. (Olaanaa, 1985)

Bu'uuressitoota Waldaa Maccaa fi Tuulamaa keessaa, hangafummaatti beekama. Waldaan walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa yeroo

hundaa'etti miseensota kan hundeesse keessaa isa tokkoo fi qabsaa'aa adda duree kan ture. Miseensota kanneen keessaa muraasni isaanii, B/Jeneraal Taaddasaa Birruu, Obbo Hayila Maariyaam Gammadaa, Koloneel Alamu Qixxeessaa, Obbo Zawugaa Booji'aa, Ajajaa dhibbaa Maammoo Mazammir, Obbo Ejjetaa Fayyisaa, Qany. Mokonnin Wasanuu, Daj. Kabbadaa Buzunash, Dr. Moggaa Firrisaa, Luba Guddinaa Tumsaa, Obbo Baqqalaa Mokonnin, Obbo Ahimad Bunaa, Obbo Seefuu Tasammaa, Haaji Roobalee Turaa, Haaji Aadam Saaddoo, Obbo Qana'aa Gumaa fi kkf kaasuun ni danda'ama.

Leencichi Booji'aa hundeeffamuu waldaa kanaa keessatti sosochii guddaa gochaa kan turee fi dhimmoota qabatamaa ittiin yaadatamu hedduu qaba. (Olaanaa 1985) yoo ibsu, Obbo Zawugaan Adoolessa, 17 bara 1958, gaggeessitoota Waldaa Maccaa fi Tuulamaa ummata Abeebbe Qeerransaa waliin wal barsiisuuf carraaqqiin gochaa ture, ummattoota lakkoofsan kumaatamaan lakkaawaman sosochoosurra darbee, walgahii guyyaa tokkootiin qofa maallaqa kumaatamaan lakkaawamuu fi lafa kaare meetira 5000 waldichi akka argatu taasisee ture. Walgahiin seena qabeessi kun guyyaa kana Abeebbe Qeerransaatti waan ta'eef, ummata sabboonummaa isaanii cimsee akka eenyummaa isaanii kunuunfatani jiraatanii fi salphaatti bitamuu akka hin dandeenye gorsaa ture.

Bara 1966 Hayilasillaaseen yeroo barcuma aangoo irraa bu'u, mootummaan Dargii akka dhufeen....., Paarlaamaa Hayilasillaaseen hundeesse bittinsee ture. Carraa kanaan Zawugaanis paarlaamaa gad dhiisuun gara qe'ee isaa Abeebbe Qeerransaatti deebi'ee gale. Ilaalcha Dargii osuma garaatti beeku, obsuun guyyaa eegaa seexaan jiraachuu eegale. Bultee Oromummaa, leetoo nageenyaa hawaasa Abeebbe Qeerransaa waliin jiraachuu itti fufe. Akka ilmi hangafaa obbo Warquun jedhanitti, "Zawugaan hawaasa isaa keessatti jaalala, tokkummaa, hojii hojjachuu kan labsuu fi nama wal lola

immoo yoosuma rakkoo tokko malee....., walitti araarsuun beekama” jedhu. Akkasumas “Nama wal ajjeeses gumaan fixachiisuun nageenya hawaasaa buusuu keessatti shoora olaanaa taphatee jira,” jedhu.

Kunis ta’u sun, gaariin Oromootaa ormaaf diina ta’ee, ija dhiiga uffachiisuun hin hafne. Dargiin fuula gara isaa garagalfatee qe’een nama guddaa, qe’een jiidha uffattee calleensi tasgabbaa’aan irraa bololi’u, ho’atti jijjiiramtee ibiddi irraa laboobuu eegale. Sii magan!

Sababni dargiin kana godheef kaayyoo gurguddoo lamaaf ture. Inni duraa Oromoota bebbeekoo ta’an..., isaan mormuun aangoo isaarratti dhiibbaa fiduu danda’u..., jedhee shakku of jalaa kaasee yaaddoo malee jiraachuu yoo ta’u....., inni lammataa ammoo, meeshaa Oromoota mara irraa hiiksisee, akka isaan waan ittiin socho’an hin arganne, akka isaan bosona galanii hin qabsoofne, kanneen isaan wal’aansoo qabsoo gochuu danda’an, immoo mana hidhaa galchee kaanis ajjeesee bituun, aangoo turtummaa isaa shakkii malee mijeeffachuu ture.

Dargiin yeroo jalqaba aangoo qabatu, ummataaf kan yaadu fakkaatee, lafti kan ummataati. Dimokiraasiin dagaaguu qaba. Mirgi wal qixxummaa eegamuu qaba. Olaantummaan saba kamuu hin jiru. Walqixxummaan jiraatu, jechuun irra keessa hanga teessoo mimmiijeeffatutti afaaniin labsaa, seenaa gadhee keessa isaan hojjatee darbe. Keessumattuu xiyyeeffannaan isaa Oromoota mataa cabsuu kan ta’e, barasaa keessa kan firri jalaa hin duune tokko hin jiru. Afaan Oromoon dubbachuu isaanii qofaaf, mirga isaanii gaaffachuu qofaaf, waa’ee Oromoo fi Afaan Oromoo yaaduu isaanii qofaaf goototni hedduun kumaan lakkaawaman Faashistii Dargiin duguugamanii jiru.

Kanneen akka Dr. Hayilee Fidaa (Abbaa qubee Afaan Oromoo), Qees Guddinaa Tumsaa (1979), Baaroo Tumsaa (Ilmaan haadha takkaa),

Abubakar Muussaa fi kkf. hedduu wabii jijjiirrama biyyattii kan ta’an, goototatti biyyee rare. Muhaammad (2007:223) yoo ibsu,

Mootummaan dargii, mirga namummaa kan Oromootni kaasan diillalleessuuf jecha, Oromoota sabboonaa ta’an, daddammaqina kan qabaniifi barnoota kan qaban, akkanuma aartistoota Afaan Oromootiin sirbanirratti roorroofi yakka kana hin jedhamne hojjatee jira. Badii takka malee, sababa Oromoo ta’uusaanif qofa, Oromoof quuqamu isaaniif qofa, sirba Afaan Oromoo sirbuu isaaniitiif qofa, gaaffii mirgaa kaasuu isaaniif qofa, Afaan Oromoo dubbachuu isaaniitiif qofa, hedduun Oromootaa mana hidhaatti darbataman, dhaanaman. Coraa isaanii quuncisan. Bishaan baarmeelitti guutanii keessatti cuuphuudhaan cinqan. Qaama isaanii laamsheessan. Sammuu hadoochan. Gaaffii walqixxummaa sabaa gaafachuu isaaniitiifi cunqursaa irra gahu balaleeffachuu isaaniitiif qofa Oromootni hedduun dararaman. Karaa harka jalaatiniifi ifaa ifatti Oromoon qabeenya akka hin horanne, kan kadhaabatellee akka deegu taasisan. Hedduu Oromootaa biyyaa ari’an. Irra caalaan isaanii dhoksaan ukkaamamanii ajjeefaman. Kaan guyyaa adiin ajjeesanii reeffa isaanii hallayyaatti gatan.

Baroota hedduu turan keessatti mootummooleen biyya bulchan, Oromoof tolanii fi gaarii yaadan tokkollee hin jiran jechuun ni danda’ama. Ilma abbaa Gadaa ilma gaaddisa isaa jalatti bulu, gaaddisa isaa irraa fonqolchanii, hakuuccaa fi dhiittaan bulchuuf tattaafataa turan. Qe’een ofii abbaadhumaan toltii, bara 2010 gaafa ilmi Abbaa Gadaa dhiiga qeerroon aangoo argatu biyyi hafuura baafachuu fi mana hidhaatii gad dhiifamuu eegale. Sunis hinaaffaa taatee shira hattoota fi warra *shororkeessitoota ummata nagaan jedhan, isaanuma shororkeessitootaan.....*, qindaa’ee qe’een Oromootaa kallattii adda addaan nagaa dhabee ture. Seenichis ilmaan Oromoon jijjiirramee hattoota saalfachiisuun hin hafu.

Ambootti aanee weerarri dargii 1968 qe’ee Zawugaa Booji’aa irratti ture. Loltootasaa konkolaataa afur guutee gara Gaatiroo Jaaw qe’ee

Zawugaatti Guraandhala 8, 1968 erge. Obbo Zawugaa fi maatiin isaa taa'anii raadiyoo dhaggeeffatu turan. Haadha manaa Zawugaa, aadde Tasfaayee Allabbaa, ijoollee isaanii Asiraat Zawugaa (waggaa 13), Solomoon Zawugaa (waggaa 18) fi maatiisaanii kan ta'e, obbo Maammoo Deebisaa ta'anii osoo jiran, dhukaasni alaa mana isaanirratti roobuu eegale.

Zawugaan rasaasa alaa roobu ibidda keessa taa'ee....., ofiisaa onnee ho'ifatee, akka harka kennatee hin duune murteessee, aadde Tasfaayee Allabbaan "Lubbuu ijoollee oolchi. Sin harka kennadhaa" jechuun ajaje. Jireenya fi du'a gidduu, qalbii yaada lamaan guutamte, ciniinsuu guddaan haati dhiiraa Tasfaayee Allabbaan ijoollee ishee qabatee obbo Maammoo waliin loltootatti gad ba'an. Yaaddoo fi ciniinsuu bakka lamaa, deemuuf qalbiin du'a abbaa manaashee duubaaf rarraati. Dhiisuuf lubbuu ijoollee xixinnoo dhiigasheetu harkashee jira.

Loltootni Dargii hammeenya qaban itti agarsiisuun "Hanga abbaan manaa kee harka kennutti hin baatu" jechuun ol deebisan. Zawugaan garuu, xiiqiin rasaasa isaa keessaa alatti loltootatti roobsuu..... itti fufe. Akka obbo Warquun jedhanitti Zawugaan dhukaasa irratti dandeettii addaa nama qabanuudha. Safaranii dhukaasnan hin dabsan. Allaattii samiirraa buusu, jedhu.

Lolli hamaan garee lamaanii ho'ee jira. Mul'ataa Badhaanee (Abbaa Jigsaa) eessaan akka ta'e kan nama dhibu, qaanqee kana keessa bu'ee waraana garee Zawugaatti dabalamee loltoota Dargii konkolaataa afur turan haphisaa dhufan. Abbaan Jigsaa Zawugaa waliin bultee hawaasummaa qabu ture. Yeroo waraanni qe'ee obbo Zawugaatti marsu, magaalaa Gincii jira. Qe'ee obbo Zawugaatti waraanni marsuu qofa dhageenyaan ariifannaan galee qawwee ofii fudhatee gara qe'ee garee faallaa lamaa ibiddi laboobutti imale. Saba keef jettee qofaa kee

hin duutu, waliin ajjeesnee waliin duuna jedheetu Zawugaa waliin waraana Dargiitti dhukaasuu eegale. Gootota qe'ee Abeebee Qerransaa kanneen mandarri isaanii baay'ee addaan hiixuu miti. Daandii guddaan Finfinnee ka'ee, gara Amboo....., imalu, asfaaltiin gidduu manasaanii addaan saaqee darba. Manni isaan lachuutuu daandii gubbaarradha.

Mul'ataan (Abbaan Jigsaa) goota walirratti du'uun miidhagina jedhu, dhartuu fi shirtuu ija gad qabachiisaa kan tureedha. Jabana Xaaliyaanii Kaabaa Itoophiyaa Maacootti duulee lolee lolchiisaa kan ture keessaa isa tokkoodha. *Har'as yeroo qe'ee obbo Zawugaa irraa ibiddi rasaasaa laboobu, balbala cufatee lubbuu isaa oolchuu hin feene. Inni qe'ee Zawugaa ga'e boru qe'ee isaas akka hin hanqanne baree wareegama tokkummaa filate.* Hanga har'aattillee Mul'ataa Badhaanee (Abbaan Jigsaa) ibidda laboobu san keessa garamiin darbee akka garee Zawugaatti dabalame namni himu hin jiru.

Ta'us, ofii seenaa hojjatee darbee, seenaa isaa kan kaasuu ilmaan kanneen akka Dr. Muluu Mul'ataa kan addunyaa irraa badhaasa Noobelii fudhattee biyyashee maqaa waamsiste fa'i bakka buufatee jira.

Haalli Mul'ataa kun loltoota Dargii baay'ee aarse. Haleellii sa'aatii dheeraa booda sodaa ijoolleesaaf qabuuf jecha, ilmaan isaa osoo ijaan ilaalu fuuldura isaatti dhumuu arguu dhabuuf jecha Zawugaan haadha manaasaan ammas irra deebi'ee, "Ijoollee waliin ba'aa, harka kennadhaa" jedhee ajaje. Yeroo kana aadde Tasfaayeen ilmaanshee bobaa jalatti guurrattee, koola qaama isheen rasaasa irraa dhoorkaa....., yoo gad baatu, rasaasni loltoota Dargii Asiraat mucaa waggaa 13 koola ishee jalaa fudhatte. Kan hanga har'aattillee nama gaddisiisu, kan keessa namaatii hin baane, Asiraat Finfinnee jiraachaa kan ture yoo ta'u, yeroo kana garuu "Qe'ee yaade....." jedhee gara

Abeebē Qeerransaa ilaaluu akka dhufetu himama. Qe'een yaadee dhufes deebii dhoorkattee achumaan hirriiba dhumaan ofirratti hanbiste.

Obbo Maammoon garuu harka kennachuu dide. Aadde Tasfaayeen reeffa ilmashee fi mucaashee Solomoon fudhattee mana ollaa naannawa san jiru keessatti loltootan eegamaa bulte. Dhukaasni cimaan xiiqiin qabame garee namoota lamaa fi garee loltoota konkolaataa afuriin sa'atii dheeraaf taasifame. Loltoota Dargii keessaa namni akka baala mukaatti harca'aa kan ture reeffi dafee dafee, konkolaataan gara biraatti fe'amaa bule. Sa'atii dheeraa dhukaasanii....., erga kan fixan, fixanii booda, obbo Zawugaan Guraandhala 8, 1968 guyyaa Wiixataa cinaa Mul'ataatti kufe. Maammoonis yoo jiraatne waliin, yoo duunes waliin, jechuun itti dabalamee hirriiba hin dammaqne rafe.

Loltootni Dargiis yeroo kana baay'ee haphatanii jiru. Dura meeshaa Matariyeesii jedhamuun dhukaasaa kan turan loltootni Dargii yeroo miidhamuu fi milkaa'inaaf kan hin deemne....., ta'uusaanii baran, meeshaa waraanaa guddaa "Addaaffinee" jedhamu qe'ee Zawugaarratti gad dhiisan. Manni Zawugaas ni gubate. Qe'ee gootichaa dirqiin qabdee harka kennachiiftee ibiddi irraa laboobe. Mul'ataa Badhaanees hanga kibxata 9/6/1968 bariitti sa'atii 18 tiif dhukaasee, erga diinasaa hedduu haxaawaa turee booda gamteefii rasaasa loltoota Dargiin cinaa Zawugaatti hirriiba duubdeebii hin qabneen fudhatamee naggaa dhaammate.

Reeffi loltoota Dargii Zawugaa fi Mul'ataan galaafataman baay'achuurra darbee ji'a tokko fa'i boodallee tortoree akka meeshaa hidhatetti bosonawwan naannawa sanitti argaman keessaa guuramaa ture.

Dhumarratti, weerarri qe'ee Zawugaatti ta'e, garee loltoota Dargii keessaa namoota hedduu fudhatee, garee qe'ee Abeebē Qeerransaa

keessaa namoota afur fudhatee raawwateen booda, reeffi Zawugaa fa'i fe'amee waajjira poolisii magaalaa Amboo geeffame. Kadhaa hawaasa Amboo fi naannawa ishee guutummaan sa'atii dheeraa booda reeffi namoota arfanuu fuudhamee Bataskaana Iyyasuusii magaalaa Ambootti awwaalaman.

Haa ta'u malee....., turtii waggoota 16 booda bara 1984 mootummaan Dargii badee, wayyaaneen akka biyya qabatteen labsii reeffa namoota ofii eessaayyuu jiru fudhatanii akka aadaa ofiitti awwaallachuu danda'an labsee ture. Yeroo kana hawaasni Oromoo miliyoonan bakka jiruu walitti yaa'ee, maatii, firri, fardaa fi konkolaataan reeffa namoota afurii kabajaan Amboo baasanii....., ganda Gaattiroo Sillaasee iddoo itti wareegamanitti akka aadaa Oromootti seera awwaalcha aadaa hawaasa Oromoo eeguun awwaalaman. Yeroo amma Siidaa miidhagaan....., awwaalcha namoota arfanii irratti ijaaramee, karaa guddaa Gincii gara Amboo imalu, naannawa magaalaa xinnoo Asgorii jedhamutti argama. Bool'a isaanii Daadhiin yaa guutu.

9. Laggasaa Wagii/Urjii Lola Keessaa/ (1952-2001)



“Gabrummaa mannaa du’a wayya; kanaafan fincilee daggala gale”

Laggasaa Wagii Meettaa, “Urjii lola keessaa” jedhamuun hawaasa bal’aa biratti beekama. Maqaan kun dhahamnaa Oromoota hidda dhaloota Kuush ta’an miliyoonota garaan bada. Onneen isaanii yaadannoon hoollatee dhikkisa. Gooticha Oromoo Wayyaanee

Oromootarratti duulte, iccitii isaanii jalaa buqqise. Wabii bilisummaa fi ifa galaanaa fuuldura Oromoo ture. Sanyii Dajjaazmaach Kabbadaa Buzunash, Sanyii Takluu Tasammaa Laggasaa Wagii gootatu sanyii isaa bakka bu’e. Ilmi gootaa yoo dhalate....., maqaa gosa dhalootasaa fi abbaasaa eegee adaraa dhalootaa galmaan gaha. Laggasaanis seeruma ilmummaa duudhaa gootaa sanyiiirraa dhaalee dhalootan ga’e.

Dajjaazmaach kabbadaa Buzunash, Takluu Tasammaa fi Laggasaa Wagii gosa tokkoodha. Gosa Walaqootti waamamu. Saddeettan Meettooti. Gosti kun baay’ee bal’aadha. Gootata hedduutu keessaa biqile. Gootummaan gosa Walaqoo beekamaadha. Ragaa qabatamaa dirree Meettaa Roobiirraa argachuu dandeenya. Akkasumas Baatuu Meettaa, Abeebee Meettaa fi Jamamaa Meettaa eessumoonni Laggasaa H/Sillaasee irratti fincilanii iddoo garagaraatti socha’uun....., tooftaan loltoota hedduu jalaa fixaa turan, ragaa biroota. Dajjaazmaach Kabbadaa Buzunash, Takluu Tasammaa fi Laggasaa Wagii tartiiban gosa tokkotti yoo galan akkasitti lakkaawama. Laggasaa Wagii, Wagii Meettaa, Meettaa Jaatanii, Jaatanii Ayyaane, Ayyaane Birraatuu, Birraatuu Goolee, Goolee Mooruu, Mooruu Maakoo kun gosa walaqooti. Dajjaazmaach Kabbadaa Buzunash /Bacharee/, Bachareen abbaa Kabbadaa akka ta’e Shallamaan kitaaba isaa keessatti xuqee jira. Buzunash ammoo, haadha isaati. Akkasuma akaakayyuun Kabbadaa, Birraatuu Goolee gooticha ummata Meettaa hoogganuun....., babal’ifannaa lafaa fi bulchiinsa Minilik fuuldura dhaabbate akka ta’e (Shallamaan, 2011 maxx.4ffaa) ibsee jira.

Kanaafuu Dajjaazmaach Kabbadaa Bizunash /Bacharee/, Birraatuu Goolee, Goolee Mooruu, Mooruu Maakoo gosa Walaqooti. Akkasuma Takluu Tasammaa, Tasammaa Dabal, Dabal Birraatuu, Birraatuu Goolee, Goolee Mooruu, Mooruu Maakoo ti. Goototni kun sadanuu

gosa Walaqooti. Dabalata Fayyisaa (2018:76 A.L.A).

Laggasaa Wagii abbaasaa obbo Wagii Meettaa fi haadha isaa aadde Bizunash Ayyaanaa irraa bara 1952 godina Shawaa Lixaa, aanaa Meettaa Roobii, ganda Kuyyuu Gicii, iddoo addaa Mujjaa jedhamutti dhalate. Jaal Laggasaan obboleewwan sagal waliin kan dhalate yoo ta'u, isaan keessaa Geetaachoo Wagii bara mootummaa Dargii keessa hojjataa Dargii ture. Boodarra garuu dhiittama ilmaan Oromoo, tarkaanfii hadhaawaa ummata Oromoorratti fudhatamu, obsee ilaalu dadhabe. Akkasumas hirirootni fi beektotni Oromoo hedduun....., balleessaa tokko malee galaana du'aa erga daakanii booda eenyuun ilaalee taa'a? Eenyyuttan hafa? Eenyu waliinan taa'a? jedhee duule. Humna cimsatee dargiitti garagaluuf yoo jedhu, waraanuma Dargiin akka ajjeefamu ta'e. Laggasaa Wagiis kan manaa baase du'a obboleessa isaa kana hin ta'in hin hafu.

Jaal Laggasaan haadha manaa Wayiniisheet Geetahuun jedhamtu waliin waxabajii 18-1979 bultii ijaarratee ilmaan sadii, Firiwoot, Bilisummaa fi Natsaannat kan jedhaman horatee jira. Mucayyoo isaa ishee dhumaa Natsaannat yeroo Laggasaan gara qabsoo bosonaa seenu haati garaatti baatti. Dhalattee firiisaa osoo hin argin, garaa haadha manaa isaa keessatti ilaalaa "Dhiiras ta'ee, dubara, maqaa Nastaannat itti naaf moggaasaa" jedhee bosona lixe. Maatiin Jaal Laggasaas imaanaa isaa eeganii "Nastaannat" jedhaniin.

Jaal Laggasaan umrii daa'imummaa isaatti nama gara laafessa....., amalaan yoo qaban qileetti gatan, xiqiin ammoo, mormi isaas citu nama hin sarmine ture. Tapha Qillee baay'ee jaallata. Jaallachuu fi taphachuurra darbee ilkaan tokkos dabarsee kenneefii jira.

Yeruma baratu illee, erga umriin jabaatee tapha qillee fi garmaamsa /gugsii/ fardaa obsee irraa hafee hin beeku. Garmaamni /gugsii/

Fardaa ammoo warra shawaa lixaa fi salaale guutummaa keessatti aadaa beekamtii guddaa qabuu fi cimina isaanii agarsiisudha.

Naannawa bara 1975-1979 aanaa Ada'aa Bargaa fi Meettaa Roobii irratti "Sadan Wagii" jennaan gugsii fardaan eenyumtuu ni beeka. Obboleewwan ciccimoo sadan, Geetaachoo Wagii, Baqqalaa Wagii fi Laggasaa Wagii irratti gurmaa'anii illee hin injifatan. Farda eenyuuyyuu ari'anii qabu. Dheechaniis jalaa ba'u. Ari'anii waraananiis ittiin geeraru. Abbaan isaanii Wagiin xiqqummaan sadan isaanifuu farda qofaa qofaatti bite. Kun aadaadhuma uummatichaati.

Gaachana Migiraa "Gittee" jedhamtu dhahatanii waraana ofii tolfatanii baanaan eenyu iyyuu isaan hin injifatu ture. Iddoo "Gilee" jedhamutti dhiiboo wal dhiiban irratti Laggasaan yeroo hunda obboleewwan isaa waliin injifannoon gala. Kun gurra guddaadha.

Gugsii Fardaa gaafa Masqalaa "Gooda Hulluuqqoo" irratti taasifamu keessatti ija Laggasaa fi farda Laggasaa hanga arganitti hawaasa naannawa sana jiraatu lapheetu dhahata. Sadaasa 12 "Urufa Gilee" irratti, Onkololeessa 27 "Urufa Nabee" irratti, Muddee 19 ammoo "Urufa waleensuu" irratti gugsiiin/dorgommiin Fardaa/ taasifamu, obboleewwan Sadan Wagii maqaa addaa qabu. Hawaasa naannawaa qofa osoo hin taane guyyoota kanneen namootni hedduun gara biraa irraa illee dhufanii isaanuma ilaalu.

Jaal Laggasaa Wagii bara 1971, Mana Baruumsa Garbii Bultootti kutaa 1ffaa barachuu jalqabe. Hanga kutaa 4ffaatti manuma baruumsa kanatti barachuun kutaa 5-8 ammoo gara Incinnii imaluun M/B, Sad 1ffaa Incinniitti barate.

Kutaa 9-11 ammoo, Magaala Finfinneetti barate. Sana booda barnootasaa kutaa 11 tti dhaabee barumsa makaanikummaa

(konkolaachisummaa) hordofaa ture. Hojii konkolaachisummaan isaa hojjataa tureera. Laggasaan, irra caalaatti bara dargaggummaa isaa hojii daldalaan beekama. Kibba Oromiyaa irraa gara Lixa Oromiyaatti....., Dirredawaa irraa gara Wallaggaa Lixaatti....., Meeshaalee garagaraa kanneen akka huccuu, dhadhaa fi buna fe'uun daldala. Lixa Wallaggaa irraayis meeshaalee biroo fe'ee Finfinneetti gurgura. Dirreedawaa naannoo waggaa 7 jiraatee ture. Haala kanaan leetoosaa gaggeeffachaa ture.

Sababa daldalaa kanaan Kibba Oromiyaa irraa osoo deemu naannawa sakatta'iinsa Hawaasaa irratti qabamuun konkolaataa jalaan tooftaan miliqee waan badeef "Iddoo argametti akka ajjeefamu" jechuun waraqaan eenyummaa isaa bittannaa'ee ture. Jaal Laggasaan garuu tooftaa fi dandeettii qabuun osoo harka hin laatin ittuu wayyaanetti ibidda laboobu ta'e.

Laggasaan abbaa beekumsaati. Abbaa tooftaati. Abbaa biyyaatis. Ummatasaa nama baay'ee yaadu. Rakkoo sabasaa ijaan arguu hin fedhu. Bara 1977 bara beelli hammaate, keessumattuu naannoo adda addaatti bara beelaa jedhamee beekamu..., Laggasaan ummata isaa Meettaa Roobiitii Qamadii konkolaataan naannoo fageenyaa irraa fe'ee geessuun, hawaasa isaa beela baase. Bara sana fe'aan tokko karaa hin darbu. Meeshaan tokko konkolaataan fe'amee hin socho'u. Inni garuu tooftaa isaatiin ummatasaa baay'ee jaallatu beela baase.

Jiruu fi jireenyi Laggasaa yeroo kamuu quuqqaa fi yaaddoo uummata Oromoof qabu waliin walitti hidhata. Miidhamuu, rirriittamuu sabasaa arguu fi dhagahuun isaaf baay'ee nuffistiisaa ture. Seenaa sirnoota waraabessaa osoo inni hin dhalatin, duraa dhagahuurra darbee gochaa H/sillaasee umriisaa ijoollummaatti, daawwaachaa Dargii immoo galaana isaa daakee qaanqees qaqqammachaa jiraate.

Boodarra garuu, hakuuccaan Sirna Dargii hammaatee..., jennaan obboleessi Laggasaa, Geetaachoon dhumaatii ummata Oromoo (gaaffii malee rashanamuu) kana hin argu..., jedhee duulee osoo loluu, sirna Dargii keessa wareegame.

Jaal Laggasaanis roorroo ummata kanarratti baay'ate kana obsee, obsee erga dadhabee booda dachee obboleessi kiyya irraa deemee...., wareegame irra taa'ee, Dargii waliin hin nyaadhu jedhee booyicha obboleessa isaa irratti argamee...., erga bahee booda as deebi'ee ija isaallee nun mil'achiifne jedha obboleessi isaa Tolosaan. Bara 1982 maatiisaa fi firoottan isaa jaallatu dhiisee ABO lixa Wallaggaa jirutti makame. Maatiisaafis dhaamsa "Ani sokkee jira hin deebi'u. Nan eeginaa. Ijoollee koo jabaadhaa guddisaa," jedhu dhaamef. Akka maatiin isaa amananiifis sa'aatii harka isaarra jiru hiikee haadha manaa isaaf erge. Haati manaa isaa, niitiin gootaas adaraa isaa galmaan gahuu fi qabsoo abbaa manaa isheen bilisummaa sabashee arguuf mudhii hidhattee kaate.

Tooftaa fi dandeettiin Laggasaan lola /waraana/ keessatti qabu gootota biroo irraa adda ture. Guyyaa guyyaan tooftaa hin eegamne fayyadamee diinasaa booji'a.

Kanarratti hundaa'uun Jaal Laggasaan bara 1983 barumsa siyaasaa fi leenjii waraanummaa marsaa 18ffaa ga'umsaan baratee xumure. Baruma 1983 kana tattaaffii fi cimina dhaaba keessatti qabuun fi dandeettii riphaniin loluu qabuun barumsa dabballummaa bakka "Beelmuuguu" jedhamutti ergamuun barate. Akka baratee baheenis dirqama dabballummaa bahuuf zoonii Beeggiitti ramadame. Jaal Laggasaan iddoo kanatti gahee haala addaa fi bu'a qabeessa ta'een hojjachaa osoo jiru, Dargiin kufe. Caamsaa 20,1983 wayyaaneen aangoo qabatte.

Akkuma Dargiin kufeen dhaabni dandeettii fi gahuumsa isaa ilaaluun Ona Qaaqetti dirqama bulchiinsaatti ramade. OMN /Abdii Fiixee/ seenaa Laggasaa Wagii yeroo seenessu, Jaal Laggasaan bulchaa ona kanaa yeroo turetti ummata naannichaaf of kennee hojjachuun, tooftaalee diina ittiin kuffisan barsiisuun hawaasa irraa jaallatamummaa fi kaka'uumsa guddaa argateera jedha.

Bara 1984 ABO n mootummaa cehumsaa keessaa akka ba'een Waraana Bilisummaa Oromoo naannoo jirutti dabalamuun gahee guddaa taphateera. Bara 1985 ammoo waraana daangaa Suudanii fi Itoophiyaa irra ture waliin leenjii loltummaa of cimsu horate jedha obboleessi Jaal Laggasaa. Gootichi ija barbadaa, quuqamaa fi dhukkubsataan sabasaa Jaal Laggasaan bara 1986 ammoo humna guddaa walakkeessa Dhiha Oromiyaatti ijaarame keessatti deebi'ee gahee isaa bahe.

Waraanni Bilisummaa Oromoo cimee itti fufus mootummaan wayyaanee humna jabeeffachaa dhufuun itti ulfaachaa dhufe. Ta'us olaantummaa isaanii argarsiisuuf Jaal Laggasaan fa'i duubatti hin deebine. Bara 1989 yeroo mootummaan wayyaanee magaalota Suudan, Gumuruukii fi Gizaan rukutee qabate, dhiyeessii akka hin dhaabbanneef waraana isaanii faana of duuba daangaa irratti deebi'an.

Jaal Laggasaan bara 1985-1990 tti sadarkaa qondaala waraana ol-aanaatti dirqama fudhatee qabsaa'ota qabsoo isaanii galmaan gahan keessaa adda duree ture. Shallamaa (2011:336 maxx.4ffaa)

"Jaal Laggasaan bara 1985-1990tti sadarkaa miseensummaa irraa kaasee haga qondaala waraanaa olaanaatti tajaajileera." Ciminumaafi gaheen inni dhaaba ABO keessatti argarsiise olaanaa waan ta'eef bara 1990 ammoo leenjiif biyya ollaa Eertiraatti ergame.

Tooftaa riphee loluutiin goota hiriya hin qabne waan ta'eef....., Jaal Laggasaan biyya ollaa kanatti miseensa hedduu akka horatuuf imaanaan itti laatame. Innis imaanaa qabsaa'otaa fi dhaaba isaa kana fudhatee dhaloota biyya ambaa keessa jiranis gama qabsoo isaanitti fiduuf jecha bara 1992 ummata Oromoo Eertiraa jiran walitti qabee "Waldaa Hawaasa Oromoo Eertiraa" jedhu ijaaree ittis milkaa'ee jira.

Jaal Laggasaan iddoo qabsoon barbaaddee fi qabsoon barbaachisetti nuffii tokko malee adda durummaan hirmaatee gahee olaanaa bahaa ture. Bara 1990 fi 1991 irraa kaasee itti aanaa moonaa leenjii WBO waliigalaa tahee hojjachaa tureera.

Bara 1992 irraa kaasee barumsaa fi haaromsa waraana siyaasaa fi tikaa erga baratee booda, ajajaa WBO zoonii dhihaa Jaal Irreessaa Caalaa jalatti ajajaa bobbaa fi qunnamtii Dhiha Oromiyaa ta'uun, bara 1994 dirqama dhaabaa fudhatee....., gara dirree Dhihaatti moonaa leenjii waliigalaa dhaabichaa irraa bobba'e.

Sochii seena qabeessa fi mootummaa wayyaanee raase WBO bara 1994 Baddallee, Dhiha Oromiyaa Qebbee, Dambi Doolloo, Gidaamii, Beeggii fi Mandii keessatti tahaa turan irratti akka ajajaa waraanaa fi siyaasaatti hoogganummaa mul'ataa kennee jira. (Seeneffama OMN seenaa Jaal Laggasaa Wagii Abdii Fiixeen/. Ajajaan WBO Dhiha Oromiyaa Jaal Irreessoo Caalaa waraana cimaa ture...., irratti 1997 boqote. Yeroo kana irraa eegalee kaayyoon ABO biyya isaa bilisoomsuuf manaa bahe hin kufu, duubatti hin deebinu jechuun Jaal Laggasaan dura bu'ummaa fudhatee, ajajaa olaanaa ta'uun hooggantummaa isaa karaa olaanaadhaan galmaan gahe. Fayyisaa (2018:73 A.L.A) yoo ibsu,

Erga ajajaa WBO Dhiha Oromiyaa J/Irreessaa Caalaa Wareegamee booda hanga 05/11/2008 wareegametti ajajaa WBO Dhiha Oromiyaa ta'uun falmii hadhaawaa fi guuttamee diina waliin tahee

hoogganaa waraanummaa fi siyaasaa kennaa ture. Jaallee Laggasaa Wagii dirqama sadarkaa adda addaatti irra ture hunda keessatti, gootummaan, cichoominaa fi obsaan kan dirqama isaa bahaa tureefi fakkeenya guddaa miseensota, qondaalootaa fi hooggantoota ABO, qabsaa'ota akkasumas ummata Oromoo hundaaf nama tahee darbeedha.

Jaallee Laggasaa Wagii dirqama dhaabaa fudhatee zoonii Dhiha keessa waan tureef, kora sabaa ABO -3ffaa bara 2004 irraa hirmaachuu baatus bakka inni hin jirretti miseensa Gumii Sabaa ABO ta'uun kan filame.

Qabsaa'aan kun goota tooftaa waraanaa keessatti gita hin qabne, dachaa dachaan iccitii gola wayyaanee barbadeessaa kan ture qabsaa'aa ummata Oromoo biratti jaalala guddaa qabuudha. Waraanni wayyaanee yeroo hedduu kumaatamaan hidhatee fi xiyyaara illee lixa Oromiyaatti ergan waraana Jaal Laggasaan salphatee hafa. Haala fi tooftaa adda addaan qabuuf....., yeroo baay'ee yaalanii reeffa waraana isaanii konkolaataa isaanitti fe'atanii wayyaaneen kan galan bara tokkoo fi lama miti. Fayyisaa (2018 :74 A.L.A)

Mootummaan gita bittuu ilmaan Tigraay, TPLF wayyaaneen, yeroo adda addaa humna ishii kumaatamaan lakkaawaman, meeshaa gurguddaa fi humna qilleensaa illee osoo hin hafin duulaa fi sakatta'a adda addaa yeroo itti Zoonii Dhihaa keessatti banaa turtetti WBO hoogganuun hooggansa cimaa kennuun, lolaa lolchiisaa humna diinaa dirree lolaa irratti kan qaanessee fi gootummaa WBO kan mirkaneessaa tureedha.

Jaal Laggasaan bara qabsoosaa keessatti ummata nagaa karaa agarsiisuu....., gorsuu fi jaalala addaa qabaachuufidhaan beekama. Shira xaxxoota, hattuu, saamtuu fi wayyaanee ummata Oromoo irratti duguuggaa sanyii taasiste rifannaa tokko malee irratti duula. Hattuu maqaa ABO tiin daldaltee ummata saamtuu....., qabee erga reebbee booda leenjii gahaa hanga dhumaatti kenneefii WBO tti dabala.

Mannii fi jireenyi isaa ummata lixa Wallaggaa fi bosona danuudha. Bosona keessatti bineensota waliin qixuma afaan walii dubbatu. Wal hubatu. Qabsoos waliin taasisu. Bineensotni kanneen akka Weennii, Qamalee fa'i Jaal Laggasaa yoo argan bosona keessatti itti fiigu. Innis qabee harka irra oofee waliin haasa'ee gad lakkisa. Iccitiis itti himata. Isaanis icciticha isaa galmaan gahuuf.....

Alaabaa ABO eegee bineensota kanaatti hidhee gaggeessa. Waraanni wayyaanee isa barbaacha gara bosona kanaa lixanii, alaabicha eegee weennii/qamalee irratti yoo argan "Laggasaa arganne as jira" jedhanii gammachuun of qopheessu. Kumaatamaan wal qindeessuun gama sanatti duulu. Laggasaan garuu iddoo biraa qubatee gochaa isaanii kana hordofuun yeroo isaan naannawa tokkotti kuufamaniif kiyoona takka takkaan lafaa isaan guura. Hin mul'atu. Ijaan Jaal Laggasaa arguun baay'ee ulfaataadha. Yeroo kaan ammoo hawaasa keessa oola. Walgahiis ummata waliin taa'a. Waraana wayyaanee isa qabuuf ergaman waliinis oola. Tooftaa garagaraa fayyadamee osoo isaan hin beekin waliin nyaatee dhuga. Fakkaatee argama. Waraana wayyaanee waa'ee isaa iyyaafachuu dhufan waliin haasa'aa oola. Qeesii....., Sheeka.... yookiin kadhattuu fakkaatee, jaruma waliin magaalaa oola. Meeshaa waraanaa yookiin kilaashii immoo uffata isaa jalatti dhoksa ture.

Waraana wayyaanee isa barbaacha dhufe eegee yeroo isaan mana nyaataa seenan uffata guutuu Sheeka fakkeessu uffachuun, areeda isaa dheerechee cinaadhuma isaanii taa'ee nyaata ajajata. Humna waraanichi qabuufi waan isaan mari'atan hunda erga adda baasee booda miseensa waraana isaa bosona jiranitti Teelegiraamii bilbilee..... "Hagana baay'atu jalaa goraa iddoo qabadhaa. Yookiin immoo yoo humni isaanii salphaa ta'e, iddoo akkanaatti eegaa dhufaa jiru" jedhee dhaamsa dabarsaaf.

Miseensi waraana isaas, haaluma inni jedhe hordofuun, waraanni wayyaanee isaan barbaadaa ooltee bosona keessatti erga dadhabdee booda, yeroo isaan galan kallattii biroo irratti eeggachuun tana buutee dhabamsiisu. Bara 1999 Caamsaa keessa lixa Wallaggaatti Jaal Laggasaan waraana wayyaanee 6 mana nyaataa-seenanii osoo isaan nyaata nyaachaa jiran....., Sheeka fakkaachuun mana seenee ofii isaafis nyaatee isaanifis herreega keessummeessituutti kennee ba'e. Waraanni wayyaanee Ja'an erga nyaatan booda herreega cufuuf yoo jedhan, inni keessummeessituutti waan himeef isheenis *"Jaal Laggasaa Wagii kan amma as taa'ee ba'e isiniif kafaleera"* jetteen. Waraannichi 6 n utaalaa, asii fi achi dhaadachaa, of nyaachaa akkamitti hanga kana mara nu tuffatee nu bira taa'ee nuu kaffala"? jedhanii fiigaa yoo gad ba'an, Jaal Laggasaan mana cinaatti goree iddoo waan qabatee jiruuf 6 n isaanii lafaa guure.

Akka carraa ta'ee loltootni wayyaanee du'an 6 'n fe'amanii yeroo Hospitaala Minilik geffaman obboleessi Jaal Laggasaa, Tolosaan nama dhukkubsate biroo yaalchisuuf hospitaala kana ture. Tolosaan har'a raajeffamaa yoo dubbatu, "Namoota du'an 6 n konkolaataa garagaraatti fe'anii yoo reeffa kabajaan Hospitaalaa baasan suuta jedheen waardiyaatti hiiqee *"Maalidha? Maaltu ajjeese?"* Jedhee gaaffadhee jennaan....., waardiychis, deebisee *"ABO tu Lixa Wallaggaatti waraana mootummaa ajjeese. Oonagii Laggasaa Wagii jedhamutu fixe naan jedhee naaf deebise"* jechuun hima. Tolosaa fi Jaal Laggasaan garuu obboleewwani.

Obboleewwanii fi maatiin Jaal Laggasaa sababa isaatiin wayyaaneedhaan hin dararamne hin jiran. Keessumaayyuu Tolosaa fi Baqqalaan dararama guddaa keessatti hirmaatanii jiru. Hidhamanii reebamanis bu'aa wayyaaneef kan dabalani osoo hin taane ittuu akka qabsaa'anii wayyaaneetti yaaddoo naqan ta'e.

Jaal Laggasaan tooftaa lolaa haxxummaan baay'ee beekama. Dandeettii waa kalaqee itti fayyadamuus danda'a. Waraana wayyaanee guyyaa guyyaan gowwomsee fixaa oola. Tooftaan isaa tasuma hin beekamu. Kophee faana ishee jala garagalchee hodha. Inni gara kaabaa deema yoo ta'e...., kopheen isaa gara kibbaa himti. Kopheen loltootaa adda waan ta'eef..., waraanni wayyaanee kanaanis faana dhahanii dadhaban. Inni gara magaalaa imala yoo ta'e isaan gara bosonaa darbe jechuum gara bosonaatti girrisu. Inni gara bosonaa yoo sokke isaan gara magaalaa sokke jedhanii gara magaalaa girrisu. Gidduu kana keessa inni daaraa isaan dhaha. Haala kanaan Dargii fi wayyaaneetti taphate.

Jaal Laggasaan akka carraa ta'ee bara qabsoosaa keessatti wayyaaneenis qabamee waggaa tokkoof Jimmaa Limmuu /Innaariyaa/ tti hidhamee ture. Rifeensa isaa gogaas irraa haadan.

Qabsaa'aan ni kufa; qabsoon itti fufa jedhama mitiiree.....? Bara 2000 hanga gaafa du'uutti waraanni wayyaanee gubbaa xiyyaaran, jalaa miilan loltoota hedduun, waraana ABO Jaal Laggasaatti baay'ee cime. Haa ta'u malee, waraanni Laggasaa osoo hin injifatamin iccitiin tasa kallattii hin beekamneen, jalaa baheen waraanni isaa danuun booji'amuu fi rukutamuuf saaxilame.

Yeroo kana Jaal Laggasaanis harka tokko rukutame. Waraana isaa hedduu keessaa namni tokko qofti biratti hafe. Beellii fi dheebuun akka miidhaa jirus, nama itti dhihaatutti himatee ture.

Kun kan ta'e bosona Jaal Laggasaan hiriyoota qabsoo isaa waliin mana jireenyaa godhate bosona Sahaaraa keessattii dha. Gochaan kun ta'ee turtii muraasa booda....., "Haalli isaa ifa galeessa ta'uu baatuus waraana cimaa loltoota wayyaaneen irratti taasifame keessatti iccitiin isaa bahuun boqote" jedha obbo Tolosaan.

Mootummaan Wayyaanee yeroo garagaraatti gooticha Laggasaa injifatee ajjeesuu waan dadhabeef, namootumti maallaqa guddaa nyaatanii Laggasaa akka ajjeesanii fi yookiin immoo tooftaan qabanii akka dhiyeessaniif yaalaa turanii jiru.

Haaluma kanaan namni Jaal Laggasaan itti dhiyaatu tokko abbaa manaafi haadha manaa waliin ta'uun akka isa ajjeesaniif....., ajajni wayyaanee irraa kennameef. Kana yoo gochuu baattan sinis ni duutu jechuun sodaachiste. Yoo Laggasaa kan ajjeesan ta'e, qabeenya guddaa akka argatuufi mannis magaalaa Finfinneetii akka kennamuuf....., wayyaaneen waadaa galteef. Jarris qabsoo ummata Oromootti dabalamanii uummata isaaniiif kabajjaan wareegamuu caalaa qabeenya wayyaaneen fuuldura qabameen gowwomfamanii gooticha isaanumaaf qabsaa'e Urjii Lola keessaa ajjeesuuf yaalii eegalan.

Haa ta'u malee, yaaliin kun osoo hin milkaa'iniif haftee Laggasaan qabsoo cimaa keessatti ganda Laaloo Gareeyi jedhamtu kan Bosona Sahaaraa irraa km 5 fagaattutti waraanuma wayyaaneen wareegame. Maatiin isaas Jaal Laggasaan waraana Wayyaanee gubbaan xiyyaarri itti roobaa, jalaan rasaasni loltoota wayyaaneen itti roobaa turerratti akka du'e jala sararanii dubbatu. Maatiin Jaal Laggasaa ajjeesuuf yaalaa turan kunis boodarra nutu ajjeese jechuun mana jireenyaa wayyaanee irraa fudhatanii seenaa Oromoo keessatti galmee Goobanaa irratti galmaa'anii jiru.

Barreessitootni fi Dokumentariiiwwan wayyaaneen hojjataman baay'een garuu Laggasaa kan ajjeese dubartii tokkoo fi ummata naannichaatu jibbee ajjeesise jechuun seenaan qabsoo Oromoo akka dhokatuuf kallattii baay'een ibsatan. Qabsoo ummata Oromoottis bishaan naquuf yaalaniiru. Dhugaan jiru garuu sana miti.

Dokumentarii OBS n guyyaa 20/3/2011 seenaa Jaal Laggasaa Wagii

agarsiifamaa ture, irrattillee dhugaan kun lafa kaawamee jira. Keessumattuu dokumentariin armaan dura TV EBC n *"ye sahaaraa barahaa misxir"* jedhamee dabarfamaa turee fi gaazzexaawwan gara garaa waa'ee du'a Jaal Laggasaa irratti dhiyeessaa fi barreessaa turan....., sirrii akka hin taane gadi fageenyan qeeqa ogummaa qabu qeeqee jira. Mootummoonni biyya kana bulchaa turanii fi barreessitootni tokko tokko wayyaanee dabalatee seenaa gootota Oromoo fi gaarummaa ilmaan Oromoo awwaalaa seenaan isaanii akka ifa hin baane hacuucaa, gurraachessaa seenaa dogongoraa itti maxxansaa turaniiru. Ta'us, seenaan ilma Oromoo ni tuttura malee ilmaan isaaninis ta'u, didus dhugaan iyyitee haqni ummatichaa osoo ifa hin bahin hafa hin jiru.

Reeffa isaas fuudhanii mukatti fannisanii ummata baasanii itti agarsiisan. Namoota baay'ee fi fira rifeensa haaddatee ~~gadde ammoo~~ reebichaan lubbuu baasuut hafe. Gootichi sabaa sabasaaf ~~jedhee~~, qabsoo hadhaawaa umrii dheeraa bosonatti erga dabarsee booda guyyaa 27/2/2001 jireenya addunyaa kanatti nagaa dhaammate. Yeroo san booyichumallee dhoorkanii namoota dararaa turan. Ergasii maatiin gaafa 27-2-2011 yaadannoon isaa waggaa 10ffaa obboleettii isaan taasifameef seenaa galaadha. Diinota isaa fi diina ummatasaa kuffisee darbeera. Dhiigni isaas tola jige osoo hin taane....., bilisummaa ummata Oromoof karaa saaqee sokke. Ummata Oromoo Miliyoona 50 jala ga'e birattis, kabajaa fi maqaa argachuurra darbee ormaa sanyiisaa ta'uu hawwisiise.

Kan nama gaddisiisu yoo jiraate, qabsoon inni jalqabe karaa qabatee firii godachuuf jiraachuusaa kana qofa arguu dhabuusaati. Sanas ta'u, dhiigni Laggasaa Wagii akkanumaan lafatti kan dhangala'e osoo hin taane dhiiga bilisummaa sabasaaf dhiheessu ta'ee darbe. Gumaan isaas qabsaa'ota kallattii, bilisummaa sabasaaniif falmaniin ni ba'a. Inni suuta karaa qabates akka biiftuu barii ni ifa.

Jaal Laggasaan godina Qeellam Wallaggaa, aanaa Anfilloo, ganda Garjeeda Gayii (gabaa Sanbata Guddaa/ tti awwaalame. Mootummaan wayyaanee gaafa inni du'ee fi awwaalamus firrii fi maatiin akka hin boonye fi sirnaan akka hin awwaalamnes godhee dararaa cimaa ummata irraan gahe. Ummatni Wallaggaa Lixaa fi Qeellam guutuun goota sabaa guddaa san dhabuu isaanif uffata gaddaa /gurraacha/ uffatan. Oromoof du'uun jireenya.

10. Ayyaluu Ittisaa (1962-2007)



"Jireeniyi bilisummaa booda"

Shamarree Ayyaluun bara 1985 kaastee hanga gaafa lubbuun ishii darbuutti sabboonummaan aadaa fi eenyummaa Oromoo kutannoo cimaadhaan guddisuu keessatti gahee olaanaa gumaachaa turte. Barreessituu Maccaa fi Tuulamaa dandeettii addaa qabduu fi gootittii

onnee sibiilati. Bara 1996-1999 manneen hidhaa Maa'ikalaawwii fi Qaallittii turte keessatti hooggantootni Maccaa fi Tuulamaa 4, barattoota 20 fi gaazzexeessitoota 4 wajjin walumaagalatti nama 28 ta'anii, himata tokko jala turan. Himannaa galmee "Obbo Dirribii Damussee fa'a" jedhamu keessatti 1ffaa:- Obbo Dirribii Damussee, 2ffaa:- Obbo Gammachuu Fayyeeraa, 3ffaa:- Obbo Sintaayyoo Warqinaa, 4ffaa: shamarree Ayyaluu Ittisaa turan.

Bara jireenya ishee hidhaa fi dararaan mootummaa irratti raawwachaa ture. Keessayyuu, bara 1996 hanga 1999 hooggantoota Waldaa Maccaa fi Tuulamaa, gaazzexeessitoota Oromoo fi barattoota Oromoo Yuunivarsitii adda addaa keessaa hidhaman....., waliin hidhaa keessa kan turte, Ayyaluun, dhuma irrattis bilisaan gadhiifamte.

Ayyaluun dararaa kamiifuu hin jilbeeffanne. Takkumaa duubatti hin deebine. Hidhaa fi dararaa san keessallee "Ni injifannaa jabaadhaa," jechuu malee takkumaa jecha abdii kutannoo hin dubbanne. Jaalalli isheen ilmaan Oromootiif qabdu daangaa hin qabu ture. Bultii ijaarrachuu dhabuu ishiitii fi jireenya dhuunfaa isheefillee namootni yeroo gaddan, ishiin garuu, saba ofiif malee waa'ee jireenya dhuunfaashee takkaa hin yaaddu ture. Bilisummaa malee wanti takka itti hin muldhatu. Murannoo cimaa qabdi. "Si hidhuu danda'uu biyyaa bahi" yeroo jedhamtu "Biyya kiyyarrattin du'a malee biyyaa hin ba'u" jettee didde. Jaalala Oromoof qabduuf "Jireenyi bilisummaa booda....." jechuun hanga dhumaatti bultii illee kan hin ijaarranne ta'uu seenaa ishee irraa ni hubatama.

Shamarree Ayyaluu Ittisaa abbaa ishee Ittisaa Deebisaa Jiraataa fi harmee ishee Jaal'ee Lataa Toleeraa irraa bara 1962 tti godina Shawaa Lixaa aanaa Calliyaa ganda qotee bulaa Tulluu Kosorruu jedhamutti dhalatte. Akkuma umriin ishii barnootaaf gaheen mana barumsaa sadarkaa 1ffaa M/Tulluu Maraa, sadarkaa jidduu galaa magaalaa

Geedoo M/Caaca, sadarkaa 2ffaa Amboo fi magaalaa Finfinnee mana barumsaa Kokoba Tsabaa jedhamutti barattee xumurte.

Bara 1983 yeroo mootummaan Dargii kufe irraa eegalee, miseensa Adda Bilisummaa Oromoo ta'uun socha'aa turte. Haaluma kanaan bara chaartara waraanni Bilisummaa Oromoo muraasni Shaambal Yohaannis Moosisaan fi obbo Sanyii Bakkasheen hoogganamu fi jiddu gala Oromiyaa socha'aa kan tureef....., garee mahaandisummaan dirqamarra otoo jirtuu haxxee diinni hidheen Shaambal Yohaannis Moosisaa yoo ajjeefamu, qabsooftuu Ayyaluu Ittisaa qabamuun gara mana hidhaa karchallee Magaalaa Ambooti geffamtee qaruuraa caccabaan rifeensa mataa irraa haaduun dararama hamaa irraan ga'an.

Akka kanaan, Artistii beekamtuu fi jaalatamtuu Ilfinash Qannoofaa waliin karchallee Amboo keessatti dararama argaa turan. Erga hidhaa irraa hiikamtees sodaa tokko malee, gara magaalaa Finfinneetti deebi'uun hojii qabsoo itti fufte. Haaluma kanaan waldaa Maccaa fi Tuulamaa keessatti miseensa guutuu ta'uun....., koree adda addaa keessatti sadarkaa adda addaa irratti itti gaafatamummaa fi miseensummaan socho'aa turte. Jireenya mo'achuuf, waajjira mootummaa Oromiyaa, waajjira qabeenya uumamaa jedhamee beekamu keessatti qacaramtee hojii eegalte. Haa ta'u malee, shakkii miseensummaa Adda Bilisummaa Oromoon dararaa yeroo dheeraa booda waajjira kamiyyuu akka hojjachuu hin dandeenye, karaa mootummaan akeekkachiifamuun dhaabde.

Kun otoo ishee hin jilbeeffachiisiin ammas hojii qabsoo harka lafa jalaan gaggeessuu eegalte. Durbee Ayyaluun Waldaa Maccaa fi Tuulamaa keessatti kallattiin hojii aadaa fi seenaa guddisuu raawwataa turte. Haaluma kanaan otoo jirtuu....., bara 1996 yeroo hooggantootni, barattootni Oromoo Yuunivarsitii fi gaazzexeessitootni Oromoo hidhaman, durbee Ayyaluunis maatii

ishee nama lama waliin gara mana hidhaa Maa'ikaalaawwiitti darbamte.

Achiinis hooggantoota WMT fi shamarree qabsaa'ota Oromoo bebbeekamoo kan akka Aslii Oromoo, Feeruzaa Abdii, Sinqee..., Ayishaa ...jedhaman fa'a waliin Karchallee Finfinnee fi mana hidhaa Qaallittii erga turtee booda bara 1999 hidhaa waggaa sadii booda bilisaan hiikamte.

Sana boodas yeroo adda addaatti hiriyyootni ishee biyyaa akka baatu itti himan illee "Biyya abbaakoo diinaa gadhiisee hin deemu" jechuun harkatti didaa turte. Durbee Ayyaluun erga hidhaadhaa baatees doorsisaa fi sodaachisoo gara garaaf harka otoo hin kennine socho'aa turte. Waajjira kam iyyuu hojjachuu akka hin dandeenye waan itti murtaa'eef hanga gaafa lubbuun ishii dabartuutti jireenya injifachuuf dhuunfaa ishiin olii fi gadi jechaa turte.

Qabsooftuun kun, Amantii Waaqeeffannaa fi Irreessi akka jabaatuf tattaaffii guddaa, gumaachaa turte. Jeekkarsa amantii Waaqeeffannaas namoota biroo waliin warra yeroo jalaqabaaf bifa waraabbiitiin hojjatan keessaa ishiin adda dureedha. Shamarree Ayyaluun dubartoota qaqqaalii qabsoon Oromoo horate keessaa tokkoo fi mana dhaabuun bilisummaa booda amantaa jedhu kan qabduu fi hanga lubbuunshee darbe kanatti, mana kan hin dhaabbanne ta'uu....., seenaan ishii ragaa baha. Gootittiin kun boodarra, tasa dhukkubsatee Ebla 4,2007 Finfinneetti addunyaa kana irraa imala gala hin qabne imalte. Sirni awwaalcha ishii Ebla 6 bara 2007 bakka firoottanii fi jaallan ishii argamanitti dachee dhaloota ishii irratti raawwate. Durbee Ayyaluun nama hawaasa keessatti jaalatamtu turte. Bool'a ishee daadhiin haa guutu! Madda:- Barruu Sinbirtuu Gadaa (Oftaanenuus Dassee).

11. Qeerroo Nageessoo (1853-1899)



"Beekaan beekaa olii Oromoodha; wallaalaan wallaala gadii Minilikii"

Shaatii Barruu bara gosaa fi gosti waliisaa fi eenyumaa isaa wallaalee wal waraanaa ture keessatti, waraanaa /goota/ cimaa ture. Nan raawwadha, waan jedhe ni raawwata. Gosa tokko guutuu waraane fix. Seenaan barreeffameefis jira. Bara quufaa, bara dacheen lalisaa,

xinnoodhuma hojjatanii danuu argatu ture. Bara kana guyyaa akkas jedhee kaa'uu baadhus yeroo baay'ee bara dur ture jennee yaamna. Qe'een isaanii dilbii ta'ee....., yeroo of ga'an, sababa lafa, daangaa jechuun gosumaaf gosti wal nyaata ture. Akaakayyuun Qeerroo Kun Shaatiin lola gosaa kanaan baay'ee beekama. Guyyaa tokko gosa tana nan fixa jedhee manaa bahe. Akkuma dhaqeenis milkaa'ee nama 7 ajjeese.

Haati ilmaan torba jalaa dhumtes akkas jettee boosse.

Gurbee hin qabu naan jettanii

Heda dhalatee bulee

Waraana hin qabu naan jettanii

Heda qarataa bulee

Gimbichoo na fiddaniit

Kinkichoo na fixxanii..... jettee imimmaan haadhummaa dhangalaaste.

Shaatiin ilmaan torban kana ajjeesee yoo galu dhiigni ilmaan dhumanii joonjessee, qe'edhuma gosa sanaatti deebi'ee, gosumti inni ilmaan 7 jalaa ajjeese sun isa ajjeesan.

Duuba seenaa Qeerroo yeroo ilaallu, dogoggoraan gosaa fi gosti wal waraanus, onneedhaan goota akkasiitu jira. Qeerroonis gaafa dhalatu ijuma isaatu goota barbadaa ta'uu beeksisa. Kana ilaaletu akaakayyuun isaa Shaatiin "Mucaan kun natti ba'e; sitti hin baane. Kana natu guddisa," jedhee Nageessoo irraa fudhate. Hasan jedhees maqaa moggaasef. Abbaan isaa ammoo Abdurrahamaan jedhaan ture. Qeerroon maqaa qabsoo keessatti ba'eefidha. Gosti sanyiiwwan goota kanaa Uruu dha. Balballi isaa ammoo Hamiida jedhama.

Qeerroo Nageessoo abbaasaa Nageessoo Shaatii fi haadhasaa Diilee irraa bara 1853 godina Arsii, aanaa Diksiis, ganda Uruu Qadiidaa,

araddaa Hamiidaatti dhalate. Obboleessa tokko Gammadaa Nageessoo kan jedhamu qofa qaba. Qeerroo Nageessoo barnoota ammayyaa hin baranne. Farda gulufsiisuu....., adamoo adamsuu... fi loon tiksuun beekama. Fardi isaa gad hin jedhu. Dhiiga obaasee yoo gad lakkise namaa fi jirmarraa hin goru.

Bara 1881-1887 tti Minilik waraana cimaa yeroo 7 Arsiirratti taasissee, al 6 moo'amee 7 ffaa irratti ummata Arsii jilbeenfachiisuuf yaalii guddaa taasissee ture. Haa ta'u malee, ifaajee qabsaa'ota gootota Oromoo Arsiin yeroo hedduu salphate. Dhumarra tooftaadhaan Oromoodhuma, Oromootti bituun 1886 kaayyoon isaa cincila qabateefii jira. Weerara Impaayera Minilik kana keessatti goototni Oromoo Arsii takkuu gad hin jenne. kan uffata salphinaa Minilik uffisan....., danuu turan. Leenjiso Diigaa, Roobaa Buttaa, Hinseenee Hullufuu, Qeerroo Nageessoo fi k k f adda dureen ka'u.

Minilik 1881 irraa kaasee Oromoota Arsiitti yeroo duule waraana isaa Oromoota Arsiitti ergee loonii fi qabeenya isaanii akka saaman gochaa ture. Oromootni-Arsiis saamichaa fi gabrummaa akkasii kanaaf cal jedhanii hin jilbiinfanne. Lolani lolchiisan. Muhammad (2007:199 maxxansa 3ffaa) yoo ibsu,

Minilik bara 1882 haga 1886 weerartoota waraana isaa Arsiitti ergee looniifi qabeenya adda addaa akka saaman taasisaa ture. Akka Seenaan ibsutti, lola Minilik biyya Oromoo irratti adeemsise hunda keessatti, akka Oromoo Arsii sirna gabrummaa diinaa balaleeffachuun, gootummaa cimaan waraana Minilik dura dhaabatee ofirraa ittisee hin jiru.

Minilik Oromoo Arsii weeraruu ka jalqabe, jidduu Muddee bara 1881 haga Guraandhala yoo ta'u, Minilik Oromoota Arsiirratti waggoota 4 keessatti lola gurguddaa 6 adeemsise. Waraanni Minilik meeshaa waraanaa hammaayyaa hedduu ka hidhate ta'ullee, riphee loltoota Oromoo Arsii laayyotti

injifachuu hin dandeenne. Lolli Arsiirraatti gaggeeffame hedduun isaa, Minilik mataa isaatiin durfame.

Bara kana Minilik loowwan Arsii saamsisee seeruu irraa kaasee...., cirahoo gar-seeruu geeffatu ture. Yeroo kana gootichi Qeerroo Nageessoo hiriyootasaa Intoo Kimoo, Duulee Barruu, Waaqoo Hillatoo, Namoo Gandoo, Xooree Xoxxobaa, Awusoo Awunaasiroo, Dhaddacha Fincilaa fi kkf ta'anii....., wal gurmeessuun weerera Minilik kana fuuldura dhaabbatan. Loon isaanis akka hin saamamne ofirraa dhoorkan. Minilikis waraananii ar'an. Akkuma beekamu lolli Arsiirratti taasifame baay'een isaa Minilik matumasaattiin durfama. Akka maanguddoonni naannoo dhalata Qeerroo himanitti Qeerroo fi hiriyootni isaa Minilik waraananii Arsii baasanii Mojoon ga'an. Minilikis Mojoo yoo ga'u, namicha saba Oromoo ta'e "Abbaa Magaal" jedhamutti dhufee "Ani Oromoodha, Oromoon Arsii na ajjeesuuf jiru, na oolchi, na baasi" jedhee Abbaa Magaal irraa Farda Magaal jedhamu fudhatee ittiin dheechee ba'e jedhu. Akka Haaji Tassaa Muhaammad, maanguddoo biyyaa fi dhiiga Qeerroo ta'an himanitti, Fardi Minilik yaaphatee Finfinneetti Siidaa dhaabbateefi jiru Farduma Oromooti. Jarri Farda akka hin qabnes dubbatu maanguddoon kun.

Minilik Mojootti Farda Oromoodhuma irraa fudhatee baqatee lubbuun ba'uu isaafis gootichi Oromoo "Jeneraal Umar Sulemaan" akkas jedhee sirbeen.

.....Lukaan isa deemsisee

Laga isa ceesisee

Kophee gachisiisee

Niitillee gachisiisee

Lafoo laga ceesisee

Biyyarraa isa baase..... jedhus kanuma ibsa.

Oromootni Arsii kan akka Leenjiso Diigaa fa'i, Minilik ari'anti xinnoof lubbuusaa oolfachuusaa dabalataan Muhaammad (2007:199 maxx. 3ffaa) yoo ibsu,

Minilik bara 1883 duula Oromoo Arsiirratti adeemsiseen riphee loltoota Arsiitiin marfamee, haga xiqqoof dheessee lubbuu isaa ka baafate ta'ullee loltoonni isaa hedduun akka du'an galmeeffame.

Akka manguddoonni himanitti, gaafa tokko, gootichi Oromoo Arsii "Leenjiso Diigaa" ka jedhamu. lola hamaa keessatti, Miniliikii fi loltoota isaa marsee, Farda Minilik yaabbate jalatti waraane ajjeese. Minilik fardi isaa ajjeefamnaa, dheessee lubbuu isaa, Leenjisoofi loltoota Oromoo Arsii jalaa baase.

Minilik Farda Abbaa Magaaliin dheechee erga galee booda gara biyya Israa'eel deemee mootii biyya Israa'eel yerichaatiin mari'ate. "Tooftaan Oromoo ittiin too'adhu naaf baasaa. Kallattiin Oromoota kana ittiin cabsu, keessumattuu Oromoo Arsii kan jedhamu baay'ee ulfaatadha" jedhee mooticha Israa'elitti watwaate.

Dhuguma seenaa keessatti yeroo ilaalle Minilik kan akka Arsii isa waraane hin jiru. Yeroo baay'ee salphisaa. Hedduuminni namoota dhumanii fi qabeenyi saamames kan akka Arsii hin turre. Mootichi Israa'eelis Minilikiif tooftaa sadii qopheessee.

1ffaa:- Oromoo Oromoodhumaan qabii injifadhu.

2ffaa:- Humna waraanaa cimsadhuu qawween biti, jedhee qawwee "Booqitoo" jedhamu hedduu kenneef.

3ffaa:- Amantaa kiristaanaa babal'isii... kan jedhu ture.

Mootummooliin habashootaa Orom irratti maqaa amantaa kiristinnaa jedhuun itti duulanii fixaa turuu fi imaanaa walitti laachuu, Dirribii (2016:427-28 maxx. 4ffaa A.L.A) yoo ibsu,

Minilik ilma Hayilamolokot Saahilasillaaseeti. Minilik 2ffaa n bara 1889 Phaaphaasii Abuna Maatiyoos jedhamuun

“Sootalli kee barooda yaa kutu!
 Xiyyi ati qabattu qara yaa ta’u!
 Warri Kiristaana hin taane luka kee jalatti yaa kufan!
 Bara Kuma si yaa moosisul” jedhamee,
 Eeboon lama itti kennamee, sootala Warqiin miidhage hidhatee,
 ittiin warra kiristaana hin taane, fixi jedhamee, eebbifamee mootii
 moototaa jedhamee, akka ittiin kolonii babal’ifatu gorsamee
 muudame. Akkuma mootota habashaa duraanii kaayyoon
 Minilikis, ummata Oromoo cabsanii Oromummaa balleessuudha.

Haallen kanneen mijeeffatee, meeshaa waraanaas erga cimsatee
 booda, Minilik xiiqiin haaloo ba’uuf, Oromoota Arsiiitti deebi’e. karaa
 Ziwaayi fi Bishaan Gurraachan seenee, naannawa Asallaan bahee,
 Boora Lukkuu qabatee gaara Cilaaloo yeroo gahu, waraanni Minilik
 humna cimsate, lola guddaa eegale. Lola aanaa Suudee “Injifannoo”
 gubbaatti ta’een Oromootni Arsii baay’ee miidhaman. Waraana
 Injifannoo irratti ta’e, Raas Daargeetu hooggana ture.

Iddoo kanatti lola cimaa booda Arsii hanga cabsan cabsanii, erga
 jedhan booda gara ganda Uruu Qadiidaatti, iddoo dhaloota Qeerroo
 dhufanii “Tulluu Qadiidaa” gubbaatti ol ba’anii dunkaana dhaabbatan.
 Tulluu kanarra qubachuun isaanii naannoo hunda salphaatti
 too’achuu akka danda’aniif ture. Tulluun Qadiidaa kun “Haroo
 Lakkuu” irraa gara olitti argamti. Waraanni Minilik Raas Daargeen
 hoogganamu....., yeroo lammaffaatti Tulluu kana qabate kun,
 salphaatti hin turre. Goototni hedduun cichanii loluun, diina isaanii
 irratti miidhaa guddaa geessisuun, gootummaa isaanii erga itti
 agarsiisanii booda meeshaa waraanaa ammayyaan dadhabsiifaman.
 Oromootni Arsii yeroo kana gaaloo, xiyya, eeboo fi fardaan waraanu
 ture. Qeerroon Nageessoo qofti hiriyoota isaa osoo hin dabalatin
 loltoota Minilik 9 ajjeese.

Waraanni ergama Minilikiin Tulluu Qadiidaa qabate kun, amma akka
 fedhetti socho’uu eegale. Ummatas dararuu fi saamuu jalqabe.

Odeeffannoo hunda guurratee waan dhufeeff kaayyoon isaa adda
 dureen gootota ciccimoo ta’an, kan isaa gad hin jenne keessaa
 funaanee fixuu ture. “Namoota sadii Minilik waraananii asii ari’an
 nuuf kennaa. Maqaa isaanis qabna. Isaan namootni kennitan aangoo
 isiniif kennina. Baaranbaraas taatu” jechuun hawaasa ka’iif taa’ii
 dhoorkan.

Hawaasni didee fincilus meeshaan waraanaa ammayyaa isaan
 laaffiseera. Maqaa gootota sadii Minilik Raas Daargeef kennee jira.
 Raas Daargeenis, magaalaa siree gubbaa iddoo “Shoorim sharee”
 jedhamu gaafa qubate maqaa gootota kana sadanii waraana isaaf
 kennee of eeggannoo guddaa akka taasisan itti hime. Goototni
 sadanis Qeerroo Nageessoo, Intoo Kimoo fi Duulee Barruu turan.

“እናኝ የማይቻሉ፣ የማይመለሱ፣ ፈራሳችኋ የተማረ፣ በደንብ መጠንቀቅ አለባቸው”
 kana jechuun “Isaan hin danda’amne, kan duubatti hin deebine.....,
 fardi isaanii kan barate, kanneen sirriitti of eeggachuu qabdu,” jedhee
 itti hime Raas Daargeen.

Yeroo Raas Daargeen akkana jedhee cimina gootota Oromoo Arsii
 kana ragaa bahu Duulee Barruu cimina isaa kanaaf Daargeen ragaa
 ba’uufii akkas jedhee geerare.

Agartee Duulee Barruu
 Goota ta’uu ragaa bahe jarroo.....

Kana booda waraanni Minilik ummatni akka ba’an dirqisiise. Yeroo
 tana Qeerroon fa’i namoota saddeet ta’anii maatii fi horii isaanii gara
 Haliilaa naannawa aanaa suudee iddoo Hiddii jedhamtutti kaasanii
 waraana Minilik wal dadhabsiisaa turan, injifachuuf itti deebi’an.
 Waraanni Minilikis yeroo kana lafa mijataa qabatee hidhannaa
 waraanatiin of qopheessee jira. Goototni Qeerroo fi hiriyoonna isaa

saddeettanis daa'imman, maanguddoota, looni fi namoota lola irratti hirmaachuu hin dandeenye jalaa godaansisanii yoo deebi'an lafti dhihee jira.

Waraanni Minilik kunis dacha'uu gootota kanaa yoo argu..., akka isaan waraanuuf deebi'an waan beekeef, Tulluu Qadiidaa irraa bu'ee mana Qeerroo Nageessoo iddoo amma Haroon Qeerroo jirutti marse. Goototni salganis mana Qeerroo Nageessootti riphanii waraanichaan marfamarii bulan. Mana Qeerroo Nageessoo kana keessa, siree dheeraa baaxii manaa tuqu kan "sararaa" jedhamutu ture. Goototni Salganuu siree kana gubbaa ba'anii sochii waraanni Minilik isaan marse taasisu, dhaggeeffachaa turan. Sa'aatii hedduuf erga turan booda namoota salgan keessaa gootni onnee si'oomse Fatoos Cannaaqaa utaalee waraana kanatti gad ba'e. Waraanni Minilik mana marsee jirus arganne jedhanii gammaduun Fatoos qabatanii dabaree itti wal furanii gaaffiin joonjessan. "Eenyutu mana keessa jira...? Maal fa'i qabu...? Waraana cimaa qabuu....?" Fatoonis Qeerroon fa'i mana keessa akka jiran himuuf dirqame.

Waraanichi Minilik mana marsee jiru, Qeerroon mana keessa jiraachuu yoo dhagahu "Nu darbuu hin qabu. Kun carraa gaartidha," jechuun mana irratti diddiiguu jalqaban. Lambuubaa manaa irraa kaasanii sararaa irra dhaabbatanii Qeerroo ajjeesuuf yaalii guddaa taasisan. Gootichi sabaa qeerransi ilma Oromoo, Qeerroon garuu takkaa, lamaan isaan lakkaa'ee waraana Minilik sagal lafaa guure. Kan kurnaffaas, mana keessaa utaalee itti gad ba'e. Waraanni Minilik kan dura mana keessatti ittisee faacha godhachuuf asii fi achi utaaluu, Qeerroon, yoo itti gad ba'u, dammaqanii akka xaafii bubbleen fuutee adda faca'an. Qeerroonis akkas jedhee itti geerare.

Tattaadheessa Nageessoo
Nageessoo Shaatii
Addaan galchaa Nageessoo
Gargar baasaa Nageessoo

Waraanni Minilik Qeerroo ajjeessuuf dirqama fudhatee dhaqe, salphatee galee qalbiin haara galfi dhabde. Waraana biroo dabalatanii abdii golgoolofte of keessatti mil'achaa, xiiqiin of karkarsaa ammas deebi'anii itti marsan. Qeerroon garuu duuti keessa isaatti kan hin mul'anne, callisee fuuldura isaanii hin dhaabbadhu jedhee darbee itti fiigee fuula keessa waraanaa ture. Waraanni Minilik haala fi gootummaa Qeerroo kana kan argan gootni akkanaa rasaasan illee waan du'u itti fakkaachuu didee jogolaan darbatanii mogolchan. Qeerroon ofirra gad taa'e. Bakka inni ofirra gad taa'etti shiboo irra marsanii qaban.

Shiboon itti marsanis, miila isaa nyaatee madeesse. Humni namootaas waan itti baay'ateef injifatamuun isaa hin hafne. Onneen isaa Waaqni gaalee kontomaa godhee uume osoo dhikkiftu, osoo si'oofu harka kennuuf dirqamte.

Fuudhanii deemanii iddoo ummatni ganda Uruu Qadiidaa dirqamaan iddoo tokkotti ba'anii jiranitti geessan. Murtee yookiin labtii Minilik itti kennes labsan.

Labtiin kunis dhiirafi shamaraaf garagara. Labtiin dhiiraf bahe 5 ture. Kan dubartiif bahe ammoo 3 dha.

Labtii dhiiraaf bahe,

1ffaa:- Nama nutti buluu dide, adabbiin nuti kenninu harka ittiin nu waraane keessaa isaa bitaa naannoo manyeetti murra.

2ffaa:- Nama nutti buluu didee nu waraane, namichi cimaadha yoo ta'e h bitaa ciqileetti murra.

3ffaa:- Ammas namicha isinitti hin bulu, jedhee namoota sochoosee waraanu malee jedhee dide yoo ta'e, harka mirgaa manyiitti rr

4ffaa:- Nama isin nu hin bulchitan, nuti isinitti hin bullu jedhe, baay'ee cimaa yoo ta'e harka mirgaa ciqileetti murra.

5ffaa:- kan kana hundaanuu didee hin deebi'u jedhe, isin waraanuu hin dhiisu, isinitti hin bulu jedhe ammoo ni kolaasna.

Labsii dubartiif bahe

1ffaa:- Dubartii dhiira wajjin ijjattee dhiira deeggaruun waraante bakka jirtutti ajjeesna.

2ffaa:- Akka balleessaa isheetiin harmi tokko irraa murama.

3ffaa:- Yoo kana didde ammoo harmi ishee lachuu irraa murama. Kan ulfa garaatti baattus ulfa garaa keessaa baasna jechuun labsii ummatatti labsan.

Hammeenya akkanaa dubartiirratti hojjatamu kun karoorumaan itti yaadamee baay'ina ummata Oromoo isa rakkise kana hir'isuu ture weerarri Minilik kaayyoon isaa. Dubartii harma muruun kan dhalate akka hin guddanne jechuudha. Akkasumas, dubartiin yoo deesse waan hoosistee guddiftu waan hin qabneef hin deessu.

Labsiin kun erga bahee booda....., labsii kana kan fudhatee dubbchuu dhiisee waan isaan jedhanitti bule hin tuqan. Asirratti Minilik akkas jedhee ergaa Raas Daargeef dhaame. “ይህንን አዋጅ የወለደ ጋላም ቢሆን አትግደሉ፡፡” jechuun “Nama labsii kana hin mormine, nama isinitti bulla, jedhe Gaallaa illee hin ajjeesinaa” jechuudha. Tuffii Oromootif qabu ibsate. Nama murtee labsii kanaa hin fudhadhu jedhe ammoo tarkaanfiin akkuma labsiitti irratti yaa fudhatamu jedhame.

Ummata iddoo tokkotti walitti qabanis, garee lamatti addaan hiran. “Namni murtee kana hin fudhadhu jedhe harka baasaa” jechuun ajajan. Goototni akka Qeerroo, Intoo, Waaqoo, Namoo, Xooree, Gandoo

Tottobaa, Fattoo Cannaaqaa, Awusoo, Dhadhachaa fi kkf, hedduun isaanii “*Labsii keessan nu garboomsuf baastan kana hin fudhannu*” jedhanii fincilan. Waraanni Raas Daargeen hoogganamuu fi Daargeen gootota “*Labsii hin fudhannu*” jedhan kana ummatarraa qofaatti adda baasanii tokko tokkoon qorannaa cimaa irratti gaggeessan. Deebiin gootota kanneenis “*Naafxanyaatti hin bullu. Harka isinitti kenninee hin gabroomnu,*” kan jedhu ture.

Kana booda, namoota akka Fattoo Cannaaqaa, Duulee Barruu, Waaqoo Lillaatoo, Guutoo Waaqoo fi Gandoo Tottobaa harka irraa muran. Intoo Kimoo garuu akka waan harka mirgaa jala qabatuu fakkeessee dafee bitaatti waan jijjiireef, harki bitaa irraa cite. Qeerroo Nageessoonis “*Harka kee fidi*” jennaan “*Harka koo isinitti hin kennu. Harka hin murtan. Ittiin sin waraana. Isin hin gabbaru*” jedhee dide. Yeroo kana hiriyaan Qeerroo gootichi Intoon Qeerroodhaan, “*Harkuma wayya. Harka jala qabi. Hin kola'in,*” jennaan Qeerroon “*Lakki dhala hin barbaadu. Dachee tanarratti, kan dhalatee kunoo akkana nu gochaa jiru. Erga Oromoon akkanatti naafxanyaan dhumuu dhala hin barbaadu,*” jedhee dide. Erga dirqamni dhuftee jechuudha malee, jaallatee harka muri..... jedhee diina jala kan qabatus hin jiru.

Qeerroo qabanii kolaasan. Haalli suukaneessaan irratti taasifame kun baay'ee gaddisiisa ture. Kola'uu qofa osoo hin taane....., qunnamtii akka hin raawwannes taasisan. Gochaa gara jabinaatu irratti raawwatame.

Gochaa suukaneessaa akkanaa irratti raawwate kanaafis, Qeerroon yeroo hunda Minilikitti gadda. “*Jiruu fi jireenni kiyya Oromoodha. Diinni kiyyaa fi kan na kolaase naafxanyaa dha,*” jechuun dubbata. Al tokko walgahii ummatni danuun walitti qabame tokkoratti Qeerroon akkas jechuun dhaammate jedhu Haaji Tassaan, “*Ummata addunyaa kanarra jiru keessaa namni beekaan eenyu Qeerroo? Jedhanii gaafatan ture. Qeerroonis*

"Beekaan ummata Oromooti. Wallaalaan wallaalaa gadii ammoo Minilik," jechuun deebise. *"Namni Minilik beekadha jedhaa akkamiin?"* jennaan, *"Addunyaa tanarratti namni kamuu wal lolee injifatee injifatama. Garuu dhiirri dhiira hin kolaasu. Dubartii harma hin muru. Harkaa fi qaama saalaa hin ciru. Kanaaf Minilik addunyaa kanarraa wallaalaa dhumaati....."* jechuun Qeerroon deebiseef.

Minilik gochaa suukaneessaa kana jedhamee yoo himame, hanga nama maraachuu geessisutti Oromootarratti hojjate. Kolaasuuf qofa miti. Asirratti waan baay'ee nama gaddisiisu, kitaabni *"Seenicha Suukaneessaa Barri Dhokse"* jedhu akka ibsutti, Barreessaa kitaaba kanaa lamaan keessaa nama tokko waa mudate. Akka carraat barreessichi Finfinnee daawwachuuf naannawa gaara yakkaatti ol ba'e. Yeroo kana maanguddoo qarshiin loowwan namaa tiksu tokko argee bira taa'ee seenaasaa tartiiban gaafachuutti gad jedhe. Maanguddichis seenaasaa fi iccitiisaa akkasiin himuufii eegale. Waldayohaannisii fi Gammachuu (2009:195-97)

Maatiin koo biyya Jimma jedhamu turan. Ijoollummaa kootti maatii koo waliin utuun jiraadhuu guyyaa tokko baalabbaatni nafxanyaa farda irra taa'anii, qawwee hidhachuudhaan, garboota lamas of duukaa fudhatanii mana keenya dhufan. Sana booda "Maaliif gibira hin kaffaltu" jedhanii abbaa koo gaafatan, Abbaan koos 'gooftaa koo nan rakkadhe, ijoollee koo iyyuu waanin nyaachisu dhabee muddama keessan jira waanan ta'eef maaloo bara kana irra naaf darbaa. Na oofkalchaa..." jedhee akkuma abbaan fardaa fardicha irra taa'ee jirutti fuula fardaa duratti addaan gombifamee kadhate.

Baalabbaatichi garuu tole hin jenne. Hoolonni eessuma kootii dirree naannoo sana ture irratti bobba'anii turan. Fuula fardasaanii gara hoolota sanaatti naannessuudhaan "Hoolonni sun kan kee mitii?" jedhee gaafate. Kana booda, "Waan kaffaltu homaa hin qabdu yoo taate hoolota kanaafi mucaa kee

fudhannee adeemuu keenya" jedhee garboota isa duuka turan abboome.

Hojjattoota isaa sana keessaa tokko utuun abbaa koo bira dhaabadhee waan ta'u ilaalaa jiruu utaalee dhufee harka koo qabe. Yommuu abbaan koo isa dhowwuuf qabutti namni biraan immoo dudga duubaan sadafii qawweetiin rukute. Abbaan koo kufuuf turee bitintiree akkuma ta'u ta'ee utuu hin kufin hafee dhaabbate. Kana booda harka koo qabee rarraasee na fudhatee, hoolota sanas oofatanii sokkan. Abbaan koo dhaabbatee boo'uu qofa utuu hin taane,uu..uu...uu.. jedhee yommuu inni iyye illee namoonni naannoo sana gadi ba'anii "maal taate" ittiin hin jenne. Ni beeku. Ni sodaatus.

Erga gaafa sanaatii mana abbaa kootti hin deebine. Namicha abbaa koo jalaa na fudhateef garba ta'ee utuun hojjadhuun jireenya dullumaa kana bira ga'e. waan fedhe yoo ta'e iyyuu maatiin koo hamma ammaatti hin jiraatan. Waa'een koos kanumaan dhuma" naan jedhan.

Jimmaa irraa eessatti isin geeffatan yemmuun ittiin jedhu gara Shawaa naan jedhan. Maaliif akka maatii hin godhannee fi maatii uummachuuf maaliif akka isaan hin yaadne yommuun gaafadhu, mataa buusani erga turanii booddee akkas naan jedhan; "Yeroo tokko garbittii gooftaa kootti jaalladhee utuun jiruu gooftaan koo dubbicha dhaga'e. Akkuma kana dhaga'aniin na ajjeesuuf ka'an. Aariin isaa akkuma irraa galaa dhufeen garuu alangaadhaan si'a afurtama na reeban. Sana booda gidduutti callisan "Sana booda" jedhanii na dhiisanii sokkuuf kaanaanin isaan kadhade.

Gooftaan koo "Uffata kee baasi!" jedhee na abboome. Anis nan baase. Sana booda akkan lammaffaa dubartii bira hin geenyeef qaama saalaa koo hojiin ala godhan. Akka saawwaatti na sangoomsan," Naan jedhan. Amanuun dadhabe. Baay'ee na ajaa'ibsiises. Wantan hamma gaafa sanaatti dhaga'ee, argee

beeku kan akka sana na gaddisiisee hin jiru ture. Kana booda jaarsa dadhabaa garbummaa bara baraa jiraataa jiru sana dhiiseen sokke.

Gochaan Minilik kana hunda ture. Seenaa gochaa Qeerroo Nageessoorratti raawwatameen wal fakkaatudha. Qeerroo Nageessoo erga kolaasanii booda dhiirota hedduu harka muran. Dubartoota harma muran. Gochi kun bara 1883 ganda Uruu Qadiidaa irratti taasifame. Inni Aanolee irratti ta'e, immoo isa lammataati. Kana erga taasisanii booda labsii nutti bulaa. Nu gabbaraa. Lafti keenya jedhu labsan. Alaabaa Minilikis gaaficha Qadiidaa irratti fannisan.

Gochaan Aanolee irratti ta'e isa kana irraa baratame. Harmaa fi harka muran fuudhanii akka ummatni irraa baratuuf....., akka sodaatuuf....., akka isaan loluu dhiisuuf jecha, Haroo dhugaatii ummatni naannawa san jiru dhugu irratti fannisan. Dhiigni ilmaan Oromoo harkaa fi harmi murames haroo kana guute. Bara sirna bulchiinsa Minilik gochaa suukaneessaa akkasiitu ture. Seenaa tortoraa, gochaa hammeenya kana fakkaatu arguu fi dhagahuu caalaa wanti nama jibbisiisu hin jiru.

Ummatni Oromoo madaa godaannisaa hangas gahu baatee, onneedhaan dhikkifachaa ilkaanin hidhii nyaachaa jiraate. Seenaa yoomuu keessa namaatii hin bannee fi hin dagatamneedha. Osoo hin beekin onneen madoofte dhukkubsatti.

Gochaan kana fakkaatu erga ta'ee booda ummatni ganda Uruu Qadiidaa yaa'ee, wal yaasee mari'ate. "Maarree diinni nu nyaate. Diinni nu salphise. Lollee kolaafamne. Kolaafamuurra darbee, harkaa fi harmas ciramne. Amma immoo haroo dhugnutti dhiiga Oromtichaa jigsanii, akkamiin dhiiga goototaa, dhiiga Oromootaa dhugna.....?" jechuun mari'atani. Kanaaf "Dhiigni Oromootaa kan itti jige, haroo tana hin dhugnu," jechuun cinaadhuma haroo dhiigni itti jigeetti

haroo biraa qotatan. "Haroo Lakkuu" jedhaniis maqaa moggaasaniif. Kunis harka lamatu murame; harma lamatu murame kan jedhu ibsa. Haroo lakkuu kana keessaa inni dhiigni Oromtichaa itti jige hanga har'aatti hin dhugamu. Isa cinaatti kan qotame santu dhugama.



Haroo dhugamu



Haroo hin dhugamne

Barri baraan darbee gochaaleen erga raawwatamanii waggaa 8 ta'e. Soorata malee lubbuun hin turtu waan ta'eef, kanneen harka bitaa muraman, harka mirgaan lafa qotachaa, kanneen harka mirgaa muraman, harka bitaan shooggarachaa, kan gochaa hamaa kanarraa hafuu dadhabes gara fuula Rabbii deebi'ee waggaan kun lakkaawame. Qeerroo Nageessoo dhalan godha hin jedhu. Fedhii koon guuttadha hin jedhu. Haala kanaan lee'aa ture.

Ta'us, ummatni Uruu Qadiidaa haalli Qeerroo kun keessa isaanii baay'ee waan madeesef, dhagahanii wal dhageessisan. Labsii dabarsanii dachee haroo Qeerroo irratti wal gahan. Koottu-dhufees walitti fudhatan. Seera Arsii dubbii dhibdee marii fi jaarsummaa ittiin adeemsisaniidha. "Mee yaa mootii sabaa, ati saba bal'aa kanaaf jettee ilma dhabde. Ati ummata kee kanaaf jettee qaamaa hir'atte. Mee bara baraan waan ittiin akka abbaa ilmaatti yaamamtu, yaadatamtu, maal siif goonu? Siidaa siif dhaabnuu? Baargamoo siif dhaabnuu? Moo maal fedhiin tan tee? Maaliin maqaa kee dhoofsisaa dhalaa dhalootatti dabarsinu?" jedhanii ummatni ganda Uruu Qadiidaa gaafatan.

Qeerroonis deebisee “Yaa ummata koo, ani ummata koo akkas na jaallatu fi naaf yaaduuf qaama koo walakkaa miti....., lubbuu koollee yoon kenne na hin yaadessu. Garuu na yaadachuu yoo barbaaddan Baargamoo yookiin siidaa naaf dhaabuu miti. Baargamoon ni jiga. Ni goga. Siidaan dhagaarraa ijaarama. Kanaaf ni kufa; Kan hin kufne, kan hin jigne, kan dhaloota koos fayyadu, dheebotaa koo dheebuu baasee anaanis maqaa koo tursiisu haroon qotadha. Haroo naaf qotaa uummatni dheebotaan koo ittiin naaf yaa jiraatu” jedhe.

Hawaasni ganda kanaas abboommii fi fedhii Qeerroo eegudhaan Qeerroo waliin ta'uun haroo qotan.

“Egaa Haroo qonneerraa, kunoo maqaa maal itti siif moggaasnu.....?” jedhaniin. “Isin maal filtan?” jedhee gaafate. “Abbaa Duulaa, Goota Oromoo” hedduu yaaman. Qeerroon garuu “Ani kana hundaa hin fudhu. Ofii koo moggaafadha,” jedhee dide. “Tole” jedhan. “Ani fuudha jala gaheen, osoo hin fuudhin qeerrummaa kootin hafe. Qeerrummaa kootin kolaafame. Qeerroon bor lafaa dhufu, dhalootni kun ittiin of baruu qaba. Kanaaf “Haroo Qeerroo” jedheen moggaafadha” jechuun moggaafate. Hawaasnis kan inni jedhe ni mirkaneesef. Haroo tana qofa miti. Maqaan duraan Hasan Nageessoo jedhamee waamamus guyyaa kana jijjiirramuuf dirqame. Qeerroo Nageessoo jedhamee moggaafameef. Dirribii (2016:433 maxx.4ffaa A.L.A.) yoo ibsu,

Habashoonni Oromticha madoo booji'an kana tumanii akka inni goota akka isaa hin dhalchine sangoomsanii, waan kolfaa godhanii turan. Garuu, namichi goota fi uumamumaan qaroo waan tureef, umma isaa guutuu haroo qotee, akka bishaan haroo sana keessaa loon Arsii dhugu, akka ilmaan Oromoo aannaan loon saniin guddatan immoo naafxanyaa balleessudhaan gumaa isaa akka baasan dhaammatee darbe jedhama. Haroon sun Haroo Qeerroo jedhama.



Haroo Qeerroo Nageessoo qotate

Kana booda ummatni Uruu Qadiidaa walitti labsee bahe guutuun wal kaksiiisan. Seera Arsii dubbiin dubbatan akka hin cabne waadaa ittiin eegani. “Egaa waan maqaa ittiin yaamaa dhalootatti dabarsinu ilma arganne. Haroo Qeerroo jenna. Egaa maqaa qabsoos arganne. Qeerroo Nageessoo jenna. Tan seera tana dabse...., cabse...., namni maqaa Qeerroo dhiisee Hasaniin yookiin Abdurahamaanin waame...., namni haroo kanas haroo Qeerroo jedhee hin waamne...., ilmi isaa hin dhalatin, dhalatu hi guddatin” jedhanii abaaran.

Akkuma jedhame tarsiimoo fi hawwiin isaanii galma gaheef. Har'a kana, hanga jaarraa tokkoo fi walakkaatti hiiquuf deemu kana, Maqaa “Qeerroo Nageessoo,” Haroon “Haroo Qeerroo” jedhamee waamama. Ummatnis dhugee dheebuu ba'a. Yeroo ammaa Siidaan iddoo kanarratti ijamees jira. Qeerroo Nageessoo ergasii jireenya gara nyaattoo gaggeessaa erga turee booda bara 1899 boqote.

Hiriyoonni isaa Intoo fi Duuleen harki irraa murames harka tokkoon qotachaa, jireenya ofii erga gaggeeffachaa turanii booda boqotan jedhu akaakileen Intoo maanguddoo Sulxee Amaan.

Akka seenaatti goototni kunneen qabsaa'ota lama du'aniidha. Qeerroon lubbuun osoo jiruu....., qaamni saalaa isaa irraa citee awwaalame. Duulee, Intoo fi goototni harki fi harmi isaanii iddoo kanatti irraa cite osoo jiranuu harkii fi harmi isaanii awwaalame. Duuti tokko kanaadha. Duuti lammataa gaafa lubbuu fi foon isaanii gargar ba'eedha.

12. Balaay Zallaqaa Qilxuu (Abbaa Koostir) (1902-1937)



"Gantuu biyyashee gattee baddu; gaafa diinni fonqolu galtu hin gabbaru"

Gaafa barri namaaf dhufe akkasuma. Inni gurraan moo'e..., moo'ameet inni dhugaan moo'e gaara injifannoo irra dhaabbatee geerara. Dhugaasaa awwaalamee galeef lallabata. Of hin jajus. Uumaasaa isa dhugaa baddee hanga ija xaafii geesse ol fuudhee dhara

tuulaa kitila tuule irra gangalchu galateeffata. Uumaa saba cunqurfamaaf xalayaa barreesse leellifata. Kun uumaadhuma caffee hangafaati. Duudhaa Oromtichaati. Gaafa barri namatti dhufes ammoo akkasuma.

Seenaan boolla gadi fageessitee....., awwaaltus, bubbultee biyyee ofirraa saaqqee baati. Dhiigni fi seenaan ilmaan Oromoo immoo dabee seenaa ormaaf utubaa ta'uu, gaafa guyyaan geesse dhugaa baattatee galaanas daakee ce'u qe'eetti gala. Dhokatee hin hafu. Seera uumama Oromootati.

Hundee biyya tanaa ta'anii..., dhiiga ofiin biyya kana ijaarani. Diina irraa tiksanii, alagaa fira fakkaatee nyaataf dhufe simatanii fira taasifatani barbaasan. Waardiyaa ta'anii, dhaabbatanii biyya tana olaantummaan tiksan. Sirna Gadaan jaalala labsanii addunyaaf karaa ta'an. Gaarummaa isaanii kanatu watwaata. Garraamummaa isaanii kanatu seenaa fi dhiiga isaanii hin dhoksine.

Balaay Zallaqaa gooticha Oromooti. Akkuma qe'een abbaa qabdu, dhugaanis abbaa qabdi. Qabeenya fi albuuda qofa saamuu osoo hin taane, seenaa fi sabummaas nama saamuutu ture. Seenaa fi sabummaan gooticha Balaay Zallaqaa dhokatee ture.

Sabummaa Balaay kana sabni biroo ofitti maxxanfatee gootummaa isaa ibsuuf jecha, "Ye Balaay Zar neny" jechaa ture. Garuu, akkas jechuun isaanii waan bayeessa ture. Oromoon goota akkas qabaachuusaa mirkaneessa. Garagaltuu ta'ee gaafa ilaalamu, ragaa guddaa Oromootaf ta'ee agarsiisa.

Balaay Zallaqaa abbaasaa Obbo Zallaqaa Qilxuu Aayyoo Galgalii fi haadhasaa aadde Xaayituu Aallanaa irraa bara 1902 Goojjam Bichanaatti dhalate. Ilmi kan abbaa dhaalu yookiin kan abbaa caalu

jedhama. Balaay jecha kana dhugoomsun abbaa irra caalee argame. Abbaan Balaay obbo Zallaqaa Qilxuu goota roorroo fi xiiqii hin jaallanne, sillimii malee hirriiba hin rafne ture.

Bara bulchiinsa Lij Iyyaasuu loltuu Iyyaasuu ture. Haa ta'u malee, Iyyaasuun waggoota muraasa qofaaf aangoo irra turee....., sanyii Oromoo waan ta'eef, qofa shira xaxameen, Hayilasillaaseef karaa gad dhiise.

Hayilasillaaseen Iyyaasuu irratti waan ka'eef, abbaan Balaay Zallaqaanis dubbiin kun nan hanqattu jedhee loltummaa Iyyaasuu irraa Iyyaasuun kufnaan gara Goojjam godaane. Shallamaa (2011:118 maxx. 4ffaa)

Iyyaasuun humna isaa eegsisuuf loltoota ofii qaba ture. Loltoota kana keessayis ijoolleen Walloo keessa jiru. Zallaqaan abbaan Balaayis lolee Iyyaasuu turan. Iyyaasuun mootummaa Hayilasillaaseerraa falmiin waan itti ka'eef Zallaqaanis hamaan akka isarra hin geenyef Walloo; Booranaa gara Bichanaatti ce'an. Karaa Goojjam Abbaay ce'an. Achittis Balaay dhalfatan. Hundeen isaanii Boorana. Dubbii kanas intala isaanii aadde Malkaamnash Balaay irraa mirkaneeffanneerra. Hundeen isaanii Boorana Walloo keessatti argamu. Damee Oromoo Tuulamaa karaa Kaaba Dharraa keessa jira.

Abbaan Balaay Obbo Zallaqaa fi haati Balaay Xaayituunis hundeen isaanii Oromoo damee /Hortee/ Tuulamaati. Toora Walloo kan jiraataniidha. Lij Iyyaasuun aangoo irraa buunaan H/sillaasee sodaatanii Goojjamitti galan. Shallamaa (2011:118 maxx. 4ffaa) yoo ibsu,

Abbaan gooticha beekamaa Balaay Zallaqaa, Oromoo Booranaa hortee Tuulamaa toora Walloo jiraatan yeroo

keessa gara Goojjamitti ce'an keessaa obbo Zallaqaa Qilxuu Aayyoo Galgalaa isa tokko. Obbo Zallaqaan loleewwan Lij Iyyaasuu Oromoota Walloo hortee Tuulamaa keessaa isaan tokko. Erga Lij Iyyaasuun aangorraa bu'een booda dhiibbaa Hayilasillaasee sodaa laga Abbayyaa ce'anii Goojjamitti dheessan.

Akkuma beekamu ummatni Oromoo biyya Itoophiyaa keessaa naannolee garagaraa jiraachuurra darbee biyyoota ollaa fi garba gama jiran keessas hundeen isaanii gadi fagaatee jira. Biyya keessa kaaba Itoophiyaatti, naannoo Walloo, Tigraay keessa Raayyaa, Goojjam keessa horteen Liibanii fi Meettaan ni jiru. Kaaba Baha Afrikaa ammoo, Suudan Keeniyaa, Chaad, Seneegaal, Fulaanii fi Hawusaa keessa ammoo Oromoota danuutu jiraata. (Shallamaa, 2011 maxx. 4ffaa) Abbaan Balaay Obbo Zallaqaa Qilxuu gootummaa ofii ilma kan dhaalchise, eessuma isaa ajjeesee ture. Haa ta'u malee....., oolee osoo hin bubbulin harki, harka baasee firri nama du'ee obbo Zallaqaa Qilxuu ajjeese.

Gootichi Faashistii raasee xaaliyaanii iddoo ijannaa dhoorke Balaayis dhiiga abbaasaa baasuuf manaa bahe..... Namicha abbaasaa ajjeese, sanas ajjeesee bosona lixe. Gidduudhuma inni haala akkasii irra jirutti, Faashistiin Xaaliyaanii biyya seene. Weerara karaa Kaabaan eegalee guutuu weeraruu babal'ifate. Yeroo kanatti Balaay callisee hin ilaalle. Obbolaan isaa Ijjiguu Zallaqaa fi hiriyoota isaa Bittiwwaddad Nagaash, Mangashaa Jambaree fi Shifarraawu Garbaa jedhaman qindeessee Xaaliyaanii kutaa Goojjam qubannaa dhoorkan. Daadhii (2010:15) yoo ibsu,

Baalay Zaallaqaa/Abbaan Koostir/ sirna faashistii Xaaliyaanii bara 1928-1933 mootii Atsee Hayilasillaasee biyyaa ariitee biyya bulchite mormuun, obboleessa isaanii Ijjiguu Zallaqaa fi jaala isaa Bittiwwaddadi Nagaash gootota jedhaman waliin qabsaa'uun kutaa bulchiinsa Goojjam: Barantaa, Bichannaa,

Caqataa, Dabrawarqi, Dajan, Daansaa, Dibsaa, Diimaa, Dalaantaa, Gonjee, Gubayyaa, Jaarsoo, Ennaabsee, Lamacaan, Makkanasalaam, Iciq, Wasdaaf, Yaggee fi Malkaa Sommaa akka bilisoomsan himama. Sababa sanatti “Arbanyaa Jagnaa Balaay Zallaqaa, Taawuu Xooruu Halaqaa” yoo jedhaniin jaala isaa goota Shifarraaw Garbaatiin immoo, “Ye Shifarraaw Innaat Ayizoosh Attaalqishii, Ye Libbuu Sartoonawu Lijish” akka jedhaniin seenaatu hima.

Waraanni garee Balaayi fi hoogganaa Xaaliyaanii Jeneraal Maaliin yeroo danuu walitti baname keessatti garee lachannu keessaa namoota hedduutu dhume. Faashistiin Xaaliyaanii, Xiyyaaraa fi meeshaalee ammayyaa gurguddaa fayyadamaa turee jira. Lola Bitootessaa hanga Eblaatti 1930 taasifame irratti, gareen Balaay muraasni booji’amanii turan. Tooftaan riphee loluu Balaay baay’ee cimaa ture. Tooftaa kanaan xaaliyaanotaafi baandota ykn basaastota isaanii boqonnaa dhoowwaa ture. Dirreewwan waraanaa garagaraa irratti xaaliyaanota moo’achuun..... gootummaasaa mirkaneesseera. Tooftaa waraanaa gooticha Oromoo Balaay Zallaqaa Qilxuu irra aanuu kan dadhaban xaayilaanonni abdii kutatan.

Xaaliyaanotni Xiyyaara meeqa itti erganis qabachuu hin dandeenye. Yeroo danuu Balaay rukutuutti Balaayin dhumatu. Tooftaa jaarsummaanis Balaay qabuu dadhaban. Mucayyoo isaa booji’anii Room geessanis deebisanii Itoophiyaatti hidhanii Balaayin “Mucayyoon kee deebitee koottuu ilaali. Goojjamis ni bulchita. Koottuu nuun araarami,” jedhanii xalayaa barreessaniifii ture. Balaayis tooftaa isaanii itti baree “Tole haa ta’u. Goojjamii fi intala koo argannaan maalan barbaada! Anas nama ergaatii na fudhaa” jedhee deebiseef. Xaaliyaanonnis raayyaa Xaaliyaanii keessaa ajajaawwan waraanaa kan ta’an, ciccimoo lamaa fi nama turjumaana ta’ee afaan isaanii hiiku tokko itti ergan.

Balaayis jaroota qabee fannise. Xalayaas barreessef. “Namoota ergitan lamaan sirriitti keessummeesseera. Intala kiyyas kan uume Waaqa waan ta’eef, yoo fedha waaqaa ta’e nan fudha. Biyya koo intala tiyyaan hin jijjiiru,” jedhee deebiseef. Kana booda Balaay loltoota isaa ciccimoo Xaaliyaanotatti erge. Intalasaas mana hidhaa Dabreemaarqosii baasee, biyyasaas bilisa baase. Shallamaa (2011:118 maxx. 4ffaa)

“Bara 1933 Faashistiin Xaaliyaani biyya gad dhiistee badde. Hayilasillaaseenis jalqaba kan dheessee waggaa 5 f Ingiliizii magaalaa Baazitti mana bitatee jiraachaa ture, yeroo kana deebi’uuf dirqame. Loltoota Ingiliizii muraasa qabatee gara Dhihaatin deebi’e.”

Balaay Zallaqaa yeroo kana gurri isaa Goojjam qofatti osoo hin taane..., biyya Itoophiyaarra darbee, galaanan gamatti oduu guddaa ta’eera. Balaayis yeroo kanatti loltoota hedduu horatee jira. Waa’een ciminaa fi dandeettii isaa kun, akkuma gurra H/sillaasee bu’een H/sillaaseetti shakkii guddaan guutame.

Yeroo H/sillaaseen deebi’u..., kana Balaay loltoota 40,000-45,000 ta’u qaba ture. H/sillaaseen Xaaliyaanii dheechee gaafa Itoophiyaan gootota akka Balaay fa’iin bilisa baatu deebi’ee mootii gonfoo of godhuun labsii labse. Abbaan biyyaa biyyarraa dheechee, gaafa biyyi bilisa baatu aangoo deebi’e. Goototuma diina ari’an san ammoo bulcha. **Sii magan!**

Labsiin isaas “Nugusni bade deebi’ee aangoo gatee badetti deebi’e” kan jedhu ture. Akka deebi’eenis namoota hedduuf aangoo gurguddaa kennee Balaayif aangoo xiqqoo kenne.


Kana malee Balaay Zallaqaa goota Faashistii barbadeesse ta’uu waan beekuuf of shakkee akka dhaqee isa gabbaru ajaje.

Balaay garuu ***“Gantuu biyyashee gattee baddu, gaafa diinni fonqolu galtun gabbaraa”*** jedhee didee qabsootti bobba’e. Gammoojjii Soomman fi Sulula Laga Mormor /Abbayyaa/ galee lola cimaa loltuu H/sillaasee waliin walitti banan. Waraana cimaa ta’eenis waraanni garee Balaay osoo hin milkaa’in hafee loltootni hedduun du’anii, kuun baqatanii Balaay immoo qabamee gara mana hidhaa Finfinnee galee murtiin hidhaa umrii guutuu itti murtaa’e.

Balaay mana hidhaa kanas cabsee gara Goojjam osoo imalaa jiruu qabamee, mana murtiitti dhiyaachuun mallattoo H/sillaaseen mallatteesseen Amajjii 5,1937 obboleewwan isaa lama waliin akka gooticha Salaalee Agarii Tulluu fannifame. Balaay Zallaqaa /Abbaan Koostir/ gootichi biyya bilisa baasee gaafa H/sillaaseen biyyatti deebi’u aangoo akkam argata laata..... jedhanii eegan aangeffamuun hafee “finyoof” laatame. Oolmaan biyya bilisa baasuu biyya Itoophiyaa mootota jalloo biratti akkasiin deebi’a. Balaayis of duratti muka fannoof qophaa’e ilaaalee “Kun anaaf hin turre. Hayila sillaaseef ture. Itoophiyaa gootni siif hin dhalatin” jedhe.

Balaay jireenya isaa keessatti haadha warraa afur fuudhee, ilmaan 8 dubara 4 fi dhiira 4 Yeshiroom, Yeshiwarq, Malkaamnash, Yashimmabeet, Admaasuu, Goshuu, Baahiruu fi Malaakuu kan jedhaman horateera.

13. Nadhii Gammadaa (1947- jiraatee fi du’een hin beekamu.)



“Oromiyaarratti yoomillee murteessan ummata Oromoo qofa”

Jaal Nadhii Gammadaa abbaasaa Haaji Usmaan Roobaa Leencoo fi haadhasaa Aaminaa Burseen irraa bara 1947 godina Arsii, aanaa Ziwaay Dugdaa, ganda Diimtuu Dannabaa, araddaa Dannabaa jedhamutti dhalate.

Maqaan isaa Qaasiim Usmaan Roobaa ture. Nadhii kan jedhu maqaa abbaansaa, yeroo daa'imummaa ittiin waamamu fudhate. Gammadaa kan jedhu ammoo, qabsoo keessatti moggaafameef.

Nadhii Gammadaa gosa Jiliishaa yoo ta'u, obboleewwaan 22 waliin dhalate. Abbaan Nadhii Haajii Usmaan haadha warraa 3 horachuun ilmaan kanneen kan argate ta'us....., Nadhiin haadha tokkorraa kan waliin dhalate dhiira 8 fi dubara 4.

Sanyii isaanii keessatti Nadhiin goota akka ta'u, ilmi sanyiitti ba'e akka jedhamu kan taasisse gootummaa akaakayyuu Haaji Usmaan obbo Leencoo ture. Akaakileen Nadhii Leencoon kun seenaan gootummaa isaa dachee Arsii keessatti yoo himamu, doqnatti onnee hora. Nadhiinis qajeeltoo ilmi gosatti ba'a jedhamu tana qabatee onneesaa ho'isee ummata Oromoof of laate.

Nadhiin umrii daa'imummaa isaatti sababa dhukkubaatiin akka ijoollee baadiyaatti loon tiksaa kan guddate osoo hin taane, ijoolleedhuma gita isaa waliin tapha garagaraa taphachaa guddate. Hiriyoota baay'ee qaba. Dandeettii hiriyootasaa amansiisuu fi waa tokko kalaquun xiinxaluu qabus olaanaadha. Nama kolfisiisa, osoo hin baratin jecha uumamaa fi saayinsii waliin hidhata qaban dubbata.

Baay'ee kan nama gaddisiisu Nadhiin fuudhuuf dubara Shaggoo Idiriis jedhamtu kaadhimatee osoo hin fuudhin, gara qabsootti seene. Osoo gara barnoota ammayyaa hin dhufin dura ammoo, barnoota amantaa {Quraana} barachaa ture. Bara 1958 umriisaa 11 tti barnoota ammayyaa barachuuf M/B Haraxaa (Mishiinii) sad 1ffaatti kutaa 1ffaa galmaa'e. Cimina barnoota isaattis dorgomaa osoo hin argatin hanga kutaa 6ffaa manuma baruumsa kanatti xumure. Bara 1964 gara Magaalaa Asallaatti darbuun mana barumsaa "Assela Comprehensive Secondary School" jedhamutti kutaa 7-12 barate. Nadhiin yeruma

barachaa turettiilee sirna Hayilasillaasee ummata Oromoo cunqursaa ture, irratti barattoota gurmeessuun eenyummaa isaanii fi gochaa suukaneessaa sirnichaa barsiisaa ture. Iccitiin fuulduree isaa gama kamiinuu qabsaa'ee ummatasaa bilisa baasuu yeruma sanattuu keessa isaatii ifaa ture.

Bara 1969 qabxii olaanaa galmeessuun kutaa 12 xumuree Yuunivarsitii Finfinneetti Barnoota 'faarmaasii' barachuu eegale. Bara 1970 waggaa tokko qofa barachuun....., qabxii 3.8 galmeessisee, hacuuccaa sirna Dargii ijaan argaa obsuu dadhabee, barnootasaa dhiisee gara bosonaa seenuuf dirqame. Bara kana qabsootti seenuuf kan isa kakaase hammaachuu gidiraa Dargii irraa ka'e, barattootni Oromoo Yuunivarsitii garagaraa, keessattuu Finfinnee jiran iccitiin gurmuun wal kakaasanii finciluuf of qopheessuu isaaniti.

Bara 1970 keessa barattoota hedduutu Yuunivarsitii ba'ee Adda Bilisummaa Oromoo waliin qabsootti gale. Keessumattuu Nadhii gaafa dhumaa Yuunivarsitii baasee gara ABO Harargeetti kan qajeelche, Dargiin shiraan Dr Hayilee Fidaa /Abbaa Qubee/ ajjeesuu isaati. Anaa boo'uu ta'uu jabbiin miilarra na dhaabbatte sana ta'e.

Dr. Hayilee Fidaa gooticha Oromoo qubeen Afaan Oromoo akka gabbatuuf tattaaffachaa tureefi sirna bulchiinsa mootummoota darbanii, kanneen haqa jallisan mormee, ummatni Oromoo akka of baruu fi eenyummaa isaa guddisuuf jecha qabsaa'aa tureedha. Haa ta'u malee....., Dargiin {Mangistuun} sodaa guddaa Dr.Hayilee waan qabuuf jecha akka ajjeefamu taasisse. Shallamaa, (2011:239 maxxansa 4ffaa)

Bara 1968 fonqolchi aangoo Mangistuu irratti raawwatame, fashalaa'ee Sisaay Haabtees dhumni isaa du'a ta'e. Hayilee Fidaafis dubbiin jijjiirramaa Dargiin malaan namoota isa keessa jiran of keessaa baasaa namoota isaa bakka

buufachuutti ka'e. Bara 1969 Dargiin garee siyaasaa Hayilee Fidaa hunda aangoo yoo dhoorkatu, Hayileerrayis itti gaafatumummaa laatameefii ture irraa fudhatamee deeggartoonni isaas hidhamanii Hayilee Fidaanis Oddoo Moofaa (arooqee Gibbii) keessatti akka hidhamu taasifame.

Hooggantoota warraaqsa Sooshaalistii Itoophiyaanota hundaa /MEISON/ Dargiin akka sardiida ilmaannan hoolaa guyyaa tiksee malee argatee takka lamaan guuree nyaate. Nagada Gobazee qofa ture miliqee koolu galtummaan Yaman kan seene. Akkaatan Hayilee Fidaa ittiin ajjeeffame ifa ta'uu baatus, ega to'annoo jala ooleen booda hidhaa keessa akka turu taasifamee bara 1971 akka ajjeffame Andaargaachaw Xirunah barreeffama isaa keessatti ni kaasa.

Nadhii Gammadaa yeroo Yuunivarsitii Finfinneetti baratutti Mallas M/Ministeera Itoophiyaa du'aan godaane waliin Yuunivarsitii Finfinneetti muummee tokko barachaa turan. Dandeettii baruumsaanis wal hin beekan ture. Mallas /Wayyaaneen/ yeroo waliin baratan Nadhii baay'ee kan jajuufii sirriitti kan kabaju, erguma gara aangoootti dhufee illee iddoo deeme hundatti biyya alaattillee maqaa Nadhii kaasuun cimina isaa kaasaa tureera.

Kanarra darbee yeroo Nadhiin hooggansa ABO keessa turettillee yeroo gara garaatti Mallas /wayyaaneen/ isa nyaatte, sossobaa turtee jirti. "Qabsoo dhiisii gali. Nurratti hin duulin. Gamoo siif ijaarra. Biyya alaattis haala hedduu siif mijeessina. Markabas siif kennina. Qabsoo dhiisii taa'ii nyaadhu" jedheenii ture.

Nadhiin garuu "Qabsoon ummata Oromoof manaa baheef, hanga galma gahutti, Oromoon abbaa biyyaa ta'ee hanga bilisa ba'utti ani hin galu. Birrii ittiin na gowwoomsitu kama gowwoomsunii barte, kanuma Markaba bituufii barteen bitiif. Isin naaf hin beektan. Ani dura waan nyaadhu waa dhabee mana bahee?" jedhee kutannoon

aantummaa ummatasaaf qabu agarsiise. Warri markabni bitameefii qabsoo dhiisanis danuudha. Iccitii Markabaa! Nadhiin gootichi sabaa, cunqursaa lammiisaa arguu kan hin feene, yeruma Yuunivarsitii jiruttillee haalota adda addaa mijeessuun barattoota qabsoof kakaasaa tureera.

Gulaaltotni Daraaraa fi Dr.Mohammed (2008:245)

Obbo Nadhiin yeroo Yuunivarsiitii Finfinnee barataa turetti mandhee dhoksaa bartoota Oromoo keessatti ijaaramee dirqama ummata isaa ijaaruu fi kakaasuu rawwachaa ture. Haalli yeroo sanaa mootummaa Dargii magaalaa keessatti hammaachaa dhufee jennaan bara 1978tti Obbo Sanbatoo Luboo faa waliin godina baha Oromiyaatti goblaa hidhannoo dirree qabsootti dabalaman.

Bara 1970 akka Yuunivarsitii ba'een gara Harargee deemee....., ABO tti dabalamuun sochiilee cimaa fi boonsisaa paartii kanaa ummatasaaf hojjate. Dubbiin inni dubbatuu fi hojiin isaa ummata baay'ee garaa qabbaneessa. Humna WBO fi hooggantoota isaa birattis fudhatama guddaa qaba ture.

Bara tokko guyyaa sirna eebba kaadhimamtoota miseensota ABO fi dabballoota ABO Dirre Dawaarrati taasifame irratti, Nadhiin hirmaatee, haasaa baniinsaa akka taasisuuf kabajaan yeroo afeerametti fuuldura namoota miliyoonotaa dhaabbatee akkas jedhe.

"Ummanni Oromoo yeroo duraatiif erga garbummaa jalatti kufeen booda....., har'a ifaa sadarkaa tokkootis ta'u akka arguufi mirga abdachiisaa akka gonfatuuf gochuun danda'ameera. Addi Bilisummaa Oromoo durumarraa kaasee ummanni Oromoodhaa yoo mirga ofii biyya ofirratti qabaachuu isa barbaachise, kun immoo waan hafuu hin dandeenyee fi kan seenaadhaan, ummanni kamiyyuu mirkaneeffatee as gahe, akkuma ta'uusaatiin....., ummanni Oromoos dhaaba polotikaa

mataa ofii qabaachuu fi humna mirga isaa ittiin kabachiifatu qabaachuun barbaachisaa ta'uu itti amanee irratti dalagaa jiruu fi kan boru irratti dalaguudha.

Egaa akeeka ummanni Oromoo hiree ofii biyya ofiirratti murteeffachuuf akka mirga guutuu qabaatu gochuudhaf....., humna kana yeroo yerootti akkuma argitan ijaaruudhaan...., leenjisuudhaan...., karaa qalamaanis, polotikaadhaanis, qopheessee asiin gahee jira jechuudha. Eenyullee maqaa ofii biyya ofiitirratti dhahuu dhabnaan gaafatamuu hin jaalatu. Eenyullee seenaa ofii dhabuu hin fedhu..... Eenyullee aadaa isaa dhabuu hin jaalatu. Sabni kamuu yookiin kan nama tokkootuu kan afaan ofiitiin dubbachuu dhoorkamu, yookiin afaan isaa jalaa gadi qabamuufi akka hojiirra hin oolle taasifamu kan fedhu nutti hin fakkaatu.

Ummatni Oromoos taanaan biyya isaa Oromiyaarratti tanaan dura akkuma waliin quba qabnu, wanneen yookaan mirgoota ummatni tokko bakka jireenyaa, biyya isaarratti hafnaan addunyaa kanarratti qabaachuu qaban hundaayyuu dhabee as hafuun isaa ni yaaddama jechuudha. Wanti ummatni keenya, kallachi ummata keenyaa ABO nis dandamate; cunqurfama, gabrummaadha. Biyya keenyarratti, mirgi keenya mulqamee akka sadarkaa lammaffatti jiraachudha. Namni biraa akkaataa nuti itti jiraannu nuuf murteessudha. Kana didaa turree, har'as ni mormannaa boris mormachuuf qophiidha.

Gurraachi, adiin, diimaa, yookaan, magariisni yoo jiraates kan samiirraa bu'ee dhufus kan argamu osoo ta'ee, eenyuu jalatti biyya keenya irratti kanaan, seera kanaan buli akka nuun jedhu hin feenu.

Abbaan nu wajjin biyya keenyarratti jiraachuu barbaade, mirga ummata keenyaa, kan inni biyya ofiirratti qabu, abbaa biyyummaa isaa kabajuudhaan nu waliin jiraachuu ni danda'a jechuudha.

Oromiyaarratti yoomillee taanaan murteessan ummata Oromoo qofa jenneet amanna. Kana mirkaneessuuf....., Addi Bilisummaa keenyafii ummatni keenya qophiidha. Ummatni keenya kana nuuf fudhachuudhaan ABO jalatti hiriiree, akkuma ummatootni biyya biraa biyya ofiitirratti kabajamanii jiraatanitti kan kabajamanii fi harka ofiitti kabajamanii jiraatu ta'uu qabsoo bifa barbaachisu hunda keessatti ummatni keenya yaa qophaa'u jenna" jechuun haasaa qalbii namaa hawwatu hedduu dubbate. Dubbiin inni dubbatu qalbii namaa rarraasa. Eenyummaa ofii nama barsiisa.

Nadhii Gammadaa bara 1972-1974 tti itti gaafatamaa siyaasaa fi barreessaa koree zoonii Bahaa ta'uun tajaajilee jira. Gulaaltonni Daraaraa fi Dr.Muhaammad (2009:245-47)

Bara 1980-1982 tti itti gaafatamaa siyaasaa fi barreessaa koree Zoonii kibbaa Bahaa ta'uun naannoo Arbaa Guuguutti bobbaa irra ture. Yeroo kana keessa barruu tokko qopheesse. Barruun inni qopheesse kitaaba "Dammaqsaa" jedhamuun beekamu ture. Obbo Nadhiin maqaa kitaaba kanaa yaadannoo obbo Badhoo Dachaasaa (Dammaqsaa Dhaabaa) nama isa dura hojii siyaasaa zoonii Bahaa hojjachaa turee obbo Baaroo Tumsaa waliin guyyaa tokko wareegameef moggaasa maqaa kanaa kenne. Akka kitaabni kun xumurameen wal-gahii hogganootaa fi miseensotaa WBO zoonii kibba Bahaa 1982tti Araddaa Siree Beeggoo bakka Murii jedhamtutti gabaase. Sana booda kitaabni Dammaqsaa bobbaa WBO baha Oromiyaa guutuu keessatti dabballootaan irraa barsifamaa ture.

Dandeettii addaa qabuunis ilaalamee yeroo gabaabaa keessatti miseensa koree g/galeessaa ta'e. Shallamaa (2011:341 maxxansa 4ffaa) yoo ibsu, "Hubannaa siyaasaa fi cimina qabuun yeroo gabaabaa keessatti miseensa koree giddu galeessa ta'uus danda'eera. Nadhiin dubbatee nama qabbaneessa. Waltajjiwwan dhaabaas ta'ee, kan ummataarratti Nadhiin yoo dubbatu dubbiin isaa onnee namaa ni'eessa. Nama siyaasa hin beekneyyuu, siyaasa barsiisa."

Bara 1977 tti ammoo gara sumaalee adeemuun hojii dhaabaa karaa adda addaan suphamaa ture kallatti qabsiisuu danda'eera. Gulaaltotni Daraaraa fi Dr.Muhaammad (2009:247)

Obbo Nadhiin bara 1983 gama dhumaatti godina bahaa naannoo Daaroo Labuu Billiqa bakka laga Fakkansootti wal-gahii humna WBO bobbaa Arbaa Guuguu fi duubbee walii galaatiif godhame ture fi kan bobbaan WBO Baalee ture keessaa bakka bu'oonni keessatti argaman irratti Seminaara barnoota siyaasaa guddaa kennamee ture. Koree gaafa sana barnoota kennaa turte keessaa qoodni isaa ol'aana ture.

Obbo Nadhiin bara 1985 keessa jila waraana Bilisummaa Oromoo dursuun dirree qabsoo irraa gama biyya Somaalee deeme. Akka biyya Somaalee seeneen hojii dhaabaa kan waliigalaa fuula sanatti asiin dura karaa adda addaan dadhabame roga qabsiisuun itti fufe. Jila qabsaawota ABO bara 1988 dhiha Oromiyaa, ona Beegii bakka laga Naachaa jedhamutti godhame irratti argamuun Abbaa barcumaa ta'ee waltajjii geggeesse. Sana booda naannoo irraa bobba'etti deebi'uun dirqama isaa itti fufe. Bara 1989 kora ABO lammaffaa godina baha Oromiyaa Laga Gobbeelleetti godhame milkeessuuf humna ABO dirree Dhihaa fi Bahaa akka walitti dhufaniif meeshaa fi humna namaa biyyaa seensisuun qooda gudda gumaachee ifillee irratti argame.

Jaal Nadhiin hojii siyaasaa fi qabsoon alatti dandeettiin inni ummata fi WBO ittiin qabatu addaadha. Yeroo haalli qabsoo ulfaatu dandeettii walaloo qabuun waraana isaatti onnee horaa ture.

Obboleessi Nadhii Gammadaa obbo Amaan Haaji Usmaan akka jedhetti "Nadhiin bara 1970 Yuunivarsitii bahee gara qabsoo erga imalee..... booda, ijasaa fi sagaleesaa osoo hin argin, waggaa 13 f turre. Bara 1983 yeroo mootummaan Dargii kufee wayyaaneen dhufu, wayyaanee waliin bosonaa ba'ee waraana isaa guutuu waliin magaalaa

Dadar yoo qubatanan dhaqee ijaan arge" jedha. Akkasuma qabsoo keessa yeroo turetti dhibeen gaggabdoo qabdee baay'ee rakkachaa akka ture, iddoo hundatti akka kufuu fi qabsoo Oromoof hanga Oromoon bilisa ba'utti duubatti akka hin deebines itti himee ture.

Nadhiin qabsoo hadhaawaa, wal'aansoo cimaa waggaa 13 f taasisaa erga turee booda sirni Dargii kufnaan bosonaa ba'e. Waraanni ABO inni waliin ture mooraa Dadaritti gale. Nadhiin ammoo bara 1984 gara Gullallee adeemuun hoogganaa waajjira dhaabaa ABO ta'ee tajaajilaa ture. Ummatni Oromoo gandaan, amantaan, lagaan akka wal hin qoodne..... fi bilisummaa biyyasaaf qabsaa'ee akka hojjatuuf...., barsiisaa tureera.

Hiriyoota isaa qabsoof waliin ba'anii....., carraan isaanii gargar ta'ee....., kuun du'ee, kuun kana buuteen dhabame kanneen akka Baqqalaa Dawwaanoo, Abbaa Biyyaa, Guutamaa Hawaas, Ahimad Bunaa, Kinfaa Hindheessaa, Alamaayyoo Kinfaa fi kkf hedduu waliin galaana qabsoo hedduu daakanii dhaloota har'aa kanaaf wabii ta'anii ofiisaanii baqanii jiru.

Nadhiin Gammadaa osuma Gullalleetti hoogganaa dhaabaa ta'ee tajaajiluufi iddoo garagaraatti socha'ee ummata eenyummaa isaa barsiisuu ABO n Caamsaa 1984 Chaartara irraa dhiibamee ba'e. Yeroo kana leencoo Lataa fi Galaasaa Dilboo fa'i waliin ta'uun qabsoo isaanii haareessuun waraanatti deebi'an.

Nadhii Gammadaa ABO n chaartarraa dhiibamee ji'a tokko osoo hin guutin Hagayya 1984 Arbaaguuguu daangaa Arsii fi Harargeetti deebi'e. Yeroo inni achi deebi'utti waraanni ABO mooraa Dadar jirus wayyaaneen rukutamee bittinnaa'ee jira. Haa ta'u malee, Nadhiin isaanuma kana kan argate walitti funaanuun....., akkasuma qeerroowwan hedduu haaraa leenjisuun humna isaa cimsatee waraana

wayyaanee waliin lola walitti banan. Wayyaanee danuus dhabamsiisan.

Gootichi sabaa turtii akkasii keessa osoo jiru...., Amajjii 13 bara 1985 humna waraanaa isaa muraasa waliin meeshaalee adda addaa fi sanadoota adda addaa awwaale/dhoksee/ ture fudhachuuf gara Hulluuqqoo Incinnii iddoo jedhamtu naannawa Arbaaguuguu imalanii Masjiida Sheh Hasan Muhaammad bulan. Kana booda nama deeggaraadhuma isaa ta'e, kan Alfanuur Musxafaa jedhamuun bakki Nadhiin jiru basaasamee osoo hin beekin...., waraana wayyaaneen qabamuuf dirqame. Erga ilma sabaa gooticha qabatanii booda ummatni jaalala Nadhiif qabuuf jecha karaa nu hin dabarsu jedhanii xiyyaaran fudhatanii sokkan jedhu obboleessi Nadhii, maanguddoo Amaan Haaji Usmaan.

Sanadoonni fi meeshaaleen waraanaa Nadhiin awwaalee harkasaatti qabame Xiyyaara /Elekoobarii/ guutee lafatti hafe, jedhu maanguddoon kun dhageettin yoo dubbatan. Guyyaa san erga qabanii fuudhanii gara magaalaa Bishooftuu geessan. Akka haasaan mamii qabu himamutti hanga bara 2001 tti mana hidhaa magaalaa Bishooftuu tursiisanii sana booda gara Maqalee geessan jedhama jedhu obbo Amaan.

Goototni ilmaan Oromoo bittoota, naafxanyoota fi wayyaaneen yeroo garagaraatti fannifamanii ajjeefamuu, gubamuu, harki, miilli muramuu, harmi ciramuu fi kkf ta'uurra darbanii danuun isaanii immoo butamanii kana buuteen sagalee isaanii dhabame. Kanneen akka Nadhii fi fakkaatoon isaa yeroo ammaa kana achi buuten dhabamee....., qeerroo fi ummatni Oromoo barbaacha isaanif iyyu muraasni isaanii, Nadhii Gammadaa, Baqqalaa Dawwaanoo, Yoosef Bantii, Hayyuu Dabbasoo Guyyoo, Ayishaa Yuusuf, Ibraahim H/Usmaan, Lammeessaa Boruu, Barsiisaa Kabbadaa Hurrisaa,

Baroodaa fi kkf hedduudha.

Yeroo ammaa kana sochii qeerroon kallattii garagaraan taasiiseen barbaachi iddoo adda addaatti taasifamaa jira. Oromiyaa keessatti iddoo garagaraatti suuraan kun akkanaa maxxanfamuun barbaacha isaanif "Eessa jiru?" jedhee iyya.



Kana malees, Artist Daadhii Galaan Sirba isaa "Gaaffiin qaba" jedhuun addunyaatti ba'ee kana buutee Nadhii Gammadaa fa'i akka barbaadaniif labsee jira. Akkasuma aartist Yoosan Geetahuun weelluu "Barbaacha Jaal Nadhii naaf birmadhaa....." jedhuun, onnee namoota hedduu madeessee jira. Sochiilee ummatni Oromoo fi Qeerroon taasiseen gaaffileen kana buutee gootota kanaa iddoo hundatti kan ka'u, yoo ta'u....., gaafa guyyaa 21/2/2011 's Jaarman Firaankifarti irratti ummata Oromoon Muummicha Ministeera biyya Itoophiyaa Dr.Abiyyi Ahimadiif gaaffiin dhiyaateefii ture. MMI deebii yeroo deebisanitti miidhagina, nama akkamii akka ture, qabsoon har'a as gahe isaanin ta'uu, Nadhiin wanti dubbatu, kan irraa miidhaguu fi waan dubbatus kan beeku ta'uusaa erga ibsee booda barbaacha isaafis cal jedhee akka hin teenye, akkasuma hanga ammaatti akka hin milkoofnefii gara fuula duraattis barbaachi akka itti fufu....., dhaame. "Nadhii kan ajjeese yoo jiraates inni moo'amaadha" jechuun eenyummaa Nadhii addunyaaf ibse.

Sababa qabsoo Nadhiif jecha obboleessi Nadhii obbo Amaanis yeroo hedduu mootummaa wayyaaneen dararamaa tureera. Boodarra garuu, aariin qabsootti waan galeef Dirree Dhawaatti qabamee mana hidhaatti gidirfamaa tureera.

Har'a waa'ee Nadhii imimmaan harcaasaa akkasiin dhaammata. "Ummatni Oromoo fi qeerroon Oromoo ilma isaanii Nadhii barbaachaf qabsoon taasisan anaaf galaa....., yaadannoo bara baraati. Galatas qaba. Garuu barbaacha Nadhii irratti hanqinni mootummaa bira waan jiruuf, mootummaan kallattii kamiinuu goota lammii kaha barbaadee, yoo jiraate jiraa isaa arginee akka harkaan qaqqabnu. Akkuma jedhan immoo qaamaa hir'ates yoo ta'e ijji fi gurri keenya isa barbaaddi. Yoo du'es ammoo lafee isaallee agarree akka hirmii baafannuuf nu bira yaa dhaabbatu" jechuun adaraa dhaammatu.

Goota Gaafa Xiiqii

Goota gaafa jedhan, si yaadanna nutii
Lubbuu nuuf laatteerta, nurraa qabda gatii
Dubbaddhu nu jalaa, si waamutti jirraa
Takkuu sin daganne, hin fagaanne sirraa

** **

Sagalee keenya kana, hin dhageettu moo ati
Waamichi siif goonu, maalif dhabee gatii
Nadhii dubbaddhu mee, sagalee kee ol kaasii
Dheebuu kan kee qabna, koottuu dheebuu nu baasi

** **

Hin cal'isin Nadhii, as jira nuun jedhi
Yoo sakaalamtellee, mallattoo nuuf godhi
Nuti hiraarree jirraa, baay'ee dhamaaneerraa
Dubbaddhu Nadhii koo, hedduu si yaanneerraa

** **

Nadhii!
Nadhii dubbaddhu!

** **

Yoosef Bantii, Dabbasoo Guyyoo
Ayishaa Yuusuf, Ibraahim H/Usmaan
Lammeessoo Boruu, Kabbadaa Hurrissaa
Kan akka Baroodaa fa'i

** **

Sabni keessan hiraaree, dhamaasaa jajjabduu
Isin hoo maal jettuu, mee quba wal qabduu?
Goota gaafa xiiqii, kan diinaf gad hin jenne
Alagaa sodaadhaaf, yoomiin harka kennee?

** **

Osoo maqaa kee waamnu, kunoo har'a geennee
Eessuma jirta maaloo, duutee kee hin dhageennee
Takkuu abdii hin kunnu, akka dhufu beeknaa
Nadhii koottu dafii, qalbii rarraanee si eegnaa

** **

Nadhii!
Nadhii dubbaddhu!


** **

Nutu furtuu keeti, sitti cufanis xurree
Har'as ilmaan kan kee, takkuu abdii hin murree
Ni galta jennee too, suma eegutti jirra
Sakaallaa sitti godhame, Rabbi haa hiiku sirraa

** **

Nadhii!
Nadhii dubbaddhu!

14. Jeneraal Daraaroo Guyyee (1945-.....)



“Loon koo Maqaleetti fe’adhaa!”

Lola daangaa Arsii Lixaa fi Sidaamaa gidduutti ta’aa ture keessatti, Dargiin ummata Sidaamaa deeggaruun....., Oromoota Shaashamannee fi naannawa ishee hedduu duguugee ture. Keessaayyuu Oromoota naannawa Bishaan Gurraachaa naannoo Shaallaa jedhamu, biratti kun

beekamaadha. Wal waraanu. Wal booji’u. Loon humnaan wal harkaa fudhatu. Sidaamni ilma Oromoo tokko yoo ajjeese, Oromoonis harka kana osoo hin ba’in, hin dhiisu. Lama godheetu ajjeesuuf yaala.

Bara 1983 Dargii kan biyyaa baase, dhiigni ilmaan Oromoo inni dhangalaasise itti iyyee akka ta’e dubbatama. Jeneraal Daraaroo Guyyees dhiiguma ilmaan Oromoo harca’e kanatu boqonnaa fi hirriiba dhoorkatee manaa baase. Dhabamuu walqixxummaa sabaa fi sablammootaa....., lolaa dhiiga ilmaan Oromoo waraana Dargiin lola’etu....., boqonnaa dhoorkate. Mootummaan Dargii dhiiga namootaa barootasaa keessatti dhibaafataa kan ture bineensa gara jabeessa ture. Kitaaba gulaaltotni Daraaraa fi Dr.Mohaammad (2008:111) keessatti yoo ibsan,

“Bara 1977 kaasee jijjiirramni dhufe kun karaa isa dura irra ture sana gad dhiisee nama ajjeesuu jalqabe. Mootummaan dargii bara kanaa jalqabee hamma dhumaatti dhiiga namoota danuu dhangalaase. Qe’ee danuu diige. Qabeenya W.W.W.Et.M.Y. ni saame. Mana Sagadaas ni cufe. Amantoota hidhuu fi ajjeesuu jalqabe,” Jechuun hammeenyummaa Dargii lafa kaa’u.

“Nuti Oromoota. Sidaamnis, Sidaama. Nuti lachuu saba biyya kanaati. Mirga sabaa fi sablammii biyyattiitti qixa fayyadamuu qabna. Yoo ta’ellee qixatti nu araarsa malee maaliif Sidaama deeggaree Oromoota fixa? Sanyii duguugaa ilma Oromoo jedhan santu kanaa? Ahaa! Mootummootiin abbaa irree tokkooyyuu armaan dura ilmaan Oromoof hin tolle. Minilikis harmaa fi harka nu mure. Har’allee nurraa hin dhaabattuu.....? Gidirfamuun sun tanaa?” gaaffilee jedhantu takkaa akka Waaqoo Guutuu fa’i lolee mirga ilmaan Oromoo kabachiisuu, takkaa du’ee gootota hedduutti xiiqii horee hirriibaa dammaksuun qaba jedhee onneen manaa ba’e Jeneraal Daraaroo gootichi.

Tooftaa waraana ammayyaatti leenjii guddaa kan qabu, Jeneraal Daraaroon naannawa 1982 yeroo Sidaama waliin lola cimaa walitti banan olaantummaa isaan loon buburree 42 booji'ee..... qe'eetti galfate. Loon walii booji'uu fi haaloo ba'uuf....., wal ajjeesuun daangaa kanarratti fiilmii Rambo ta'aa dhufe.

Adeemsuma kana keessa mootummaa dargiitti guyyaan dhiitee miila gara Zimbaabuwee qajeelfate. Wayyaaneenis, akkuma biyya qabateen afaan damma dibatee odeessuu malee gaarummaan inni ilmaan Oromoof oolee boqonnaa kenneef hin jiru. Kaayyoon mootota durii silas Oromoo balleessii yookiin hir'isii waan ta'eef....., innis Sidaamaa deeggaruun Oromoota irratti rasaasa roobse. Naannoo Bishaan Gurraachaatti seensa 1984 irra lola cimaa ta'een, loltootni wayyaanee konkolaataa lama guutamanii ergaman Jeneraal Daraaroo fa'iin fuulaa fuulatti walitti ba'an. Lola kana keessatti hiriyaan J/Daraaroo tokko loltuu wayyaanee keessaa tokko uleen dhahee kuffise. Erga meeshaa irraa fudhatee booda, loltoota konkolaataa lamaanii keessaa lubbuun muraasaa hafuu Jeneraal Daraaroodhumti ni dubbata.

Meeshaa waraanaa fi uffata loltootaa hedduus booj'anii....., gurmaa isaaniif kennan. Waraanni (lolli) kun tilmaaman sa'aatii 4:00 kan ture yoo ta'u, erga qabbanaa'ee boodas loltootni hafan karaatti ba'anii galuuf ennaa isaan adeeman eeggachuun Ajajaa Kumaa isaanii ajjeesuun Shugguxii isaallee irraa hiikkatanii biraa deeman. Konkolaataa tokkos booji'uun, erga sa'aatii hedduuf waliin turanii booda konkolaachisaa dhabanii dhiisanii akka biraa deeman hiriyaan Jeneraal Daraaroo Dhaqqaboo Shubaa haala ajaa'ibsiisan hima.

Lola kanarratti meeshaa waraanaa gahaa fi uffata loltootaa gahaa argateen booda....., loltootasaa qindeeffatee baruma 1984 kana keessa bosona "Urjii fi Jaamaa Cabbii" seenuun wayyaaneetti yaaddoo guddaa ta'e.

Jeneraal Daraaroo Guyyeen abbaasaa Guyyee Shuushii fi haadhasaa Ayyaane Waaqayyoo irraa bara 1945 godina Arsii Lixaa, aanaa Shaashamannee, ganda qonnaan bulaa Xaaxessa Dadeessaa jedhamutti dhalatee guddate. Obboleewwan dhiiraa 8 fi dubara 3 waliin kan dhalate J/Daraaroon yeroo sirni Hayilasillaasee badee, Dargiin dhufuuf waggaan tokko hafu naannawa 1965 bultii horatee ijoollee 16 s godhatee jira. Barnoota ammayyaas ta'ee kan biroo kan hin baranne, jechootni afaan isaatiin dubbatuu fi quuqamni eenyummaa sabasaatiif qabu ajaa'ibsiisodha.

Yeroodhaaf gidduun calleensi kan bu'e....., bara 1985-1989 araarri yaa bu'u, Kan bosona jiranis galanii misooma yaa hojjatan, jedhee haala mijeeffachuf labse wayyaaneen. Isaanis bosona Urjii turanii, rakkoolee hedduu, beela, dheebuu, daara dhamdhamanii waggaa 4 tti 1989 ummatni hedduun galee jennaan gara qe'ee ofii galan. Jeneraal Daraaroon ajajaa olaanaa yoo ta'u, hiriyaan isaa dandeettii loltummaa addaa kan qabu, gootni Dhaqqaboo Shubaa jedhamu itti aanaa isaa ture. Waraana garee lamatti hundeeffatanii hoogganuun Arsii Lixaatti 'wayyaanee shokokii dhoorkuurra darbanii kaabinoota hedduus taayitaa isaaniif yaaddoo guddaa itti ta'aa turan.

Dhaqqaboo Shubaa abbaasaa yeroo kana turtuu keessa Sidaamni kan ajjeese yoo ta'u..., innis haaloo kana ba'uuf jecha, deemee ajjeesee gale. Yeroo kana murtii seeraa akka argatuuf mana seeraatti yaa dhiyaatu jedhamee ajajni kenname. Jeneraal Daraaroon garuu callisee hiriya isaa kanarratti hin ilaalle. "Abbaasaa Sidaamni yoo ajjeesu sidaamni murtii seeraa argatee? Haaloo abbaasaa deeffate. Dhiirri harka hin deeffannes dhalachuun isaa gatii hin qabu. Waan dhiirri godhu godhe. Waan gootni godhu godhe. Kanaaf dabarsinee hin kenninu" jechuun irratti cichee akka Dhaqqaboon hin hidhamne. dhoorke. Yaa ta'u malee, maatiin Dhaqqaboo yaaddoo dhumaatii namoota hedduu gara fuulduraa yaadda'uun....., Jeneraal Daraarootti mufachuun, "Isatu

dhoorka,” jedhanii isa dabarsanii kennan. Kanaanis yeroo muraasaaf mana hidhaatti gale. Yeroo kamuu naannawa Arsii Lixaatti Oromoon Sidaamas yaa ta’u, nama biroo ajjeesnan Daraarootu gorse ajjeesise jedhamaa ture.

Bara 1991 yeroo ji’a ja’aaf mana hidhaa ture keessatti Poolisootni olaanoon yoo qoratan “Naannoo 4 keessatti Oromoo malee namni biraa akka filatamu hin barbaaddu mitii?” jedhaniinii turan. Innis deebisee gubbaarraa itti qasa’aa “Eeyyee ofii garaatti na beektanii jirtu; nan dadhabe malee silaa akkasuma. Ammas abdiin hin kutu guyyaan Oromoon qofti nu bulchu ni dhufa,” jechuun sodaa isaanii akka hin qabne itti agarsiise. Sababa Dhaqqaboon nama ajjeesee harka kennachuu dideefis namootni 65 mana hidhaatti guuramanii yoo gidirfaman namni tokko ammoo ni du’e. Loon afaan beekanii hin dubbannes namni badii raawwate jedhanii magaalaa Hajjeerratti margaa fi bishaan dhoorkatamanii dhumuu gahan. Isa afaan beeku, isa miliqu qabuu dadhabnaan isa afaan hin beekne adabde Wayyaaneen. Safuu!

Turtii waggaa sadii booda, maanguddoonni biyyaa kallattii jiruu walitti bahanii, hawaasa Oromoo fi Sidaamaa daangaa irra jiru kana gidduutti nagaa buusuuf qalanii, booka unanii, unachiisanii akka aadaatti walitti araarsan. Ta’us bariituu isaa ummatni Sidaamaa eeggatee ilma Oromoo waraane ajjeese jedhama.

Jeneraal Daraaroon bakka bu’aa ummataati. Nu’i osoo hin taane biyya isatu bulcha jechuun kaabinoonni wayyaanees yeroo hunda waan isa hidhaniif guyyaa tokko walga’ii guddaa bulchaa godinaatiin taasifame irratti carraa argatee waa’ee mirga ofii gaaffate. “Maaf na naannessitu? Ani sin hin sodaanne. Na hin tuqinaa jennaan diddanii jirtu,” jedhee aariin waan garaa isaa itti fixate. Bulchichis “Biyyi ni badaa dhiisaa..., hin tuqinaa...” jedhee qaamota isa qabuuf jedhan irraa dhoorke.

Jeneraal Daraaroonis “Biyyee tanatti isin yaa dachaasuu ani isin hin dhiisu. Biyyeetti isin rara. Onnee yoo qabaattan sa’aatii 12:00 tti mana kootti koottaa!” jedhee itti himee biraa sokke. Ta’us halkanuma san xiiqii qabachuun waraanni wayyaanee sa’aatii Daraaroon itti beellameef jijjiirrachuun halkan keessaa sa’aatii 8:00 titti nama 12 ta’anii warra nagaa fakkaachuun “Yee warri kun” jedhaniin.

J/Daraaroo: “Eenyu ati?”

Loltoota Wayyaanee: “Mee gad ba’i si barbaannee”

J/D: “Eenyu abbaa keetiti ati?”

L/W: “Ba’i gadi”

J/D: “Achumatti na eegi”

Qawweesaa dhukaasaa gad ba’ee..., loltoota hundaa ari’e. Loltootni wayyaanees aariin ofirra deebi’anii ol iyyannoo gaaffachuun, loltoota konkolaataa sagal hiriirsisanii dhaqan. Jeneraal Daraaroon yeroo kana miilan gara gaara Cabbiitti ol adeemaa..., duchiisa. Haala isaan itti fixuu danda’u mijeeffataa, iddoo qabachuuf jalaa imala. Akka aadaa gootota Arsiitti hanga haala mijeeffatanitti sobanii diina duchiisu. Tokko dhukaasaa..., jalaa hiiqaa..., tokko dhukaasaa..., naasisaa..., duchiisaa haala aanjeffatu.

Gaara Cabbiitti ol ba’ee erga iddoo qabatee booda loltootni wayyaanees itti marsanii “Harka kennadhu” jedhaniin. “Rabbittin malee isinittin harka kennadhaa,” jedhee deebiseef. Loltootni konkolaataa sagal gubbaa jiran hunduu bu’anii “Qabii” itti marsan. Qabii jechuun ammas akka Oromoo Arsiitti tooftaa nama tokko gidduutti galfatanii ittiin qabataniidha. Inni tokko garanaan yoo gore, inni biroo kallattii biraan gora. Akkasittiin kallattii hundaan itti marsanii..., gidduutti galfatanii nama barbaadan san qabatu. Haala kanaan qabii itti marsanii itti dhukaasuu eegalan. Jeneraal Daraaroon garuu sodaa tokko malee fuula keessa itti dhukaasaa, itti adeemaa garmalee baay’achuu isaanii fi ko’ommachuusaa barraan

karaa saaqqatee kallattii ba'uun argannaan ba'ee sokkee bosona Urjii lixe. Loltootni fi federaalli wayyaanees abdii kutuun gara magaalaa xinnoo, naannawa sanatti argamtu Burraatti deebi'uun waa'ee isaa dinqisiifachuu eegalan. Loltoota kanneen keessatti Oromootni kan argaman yoo ta'u, isaan keessaa warri quuqama osoo qaban, leetoof jecha jiraatan, "Osoo Oromoo keessa namni akkanaa 10 jiraatee Oromoon maqaa tokkoon waamama. Alagaan hin bulu ture." Jechuun dandeettii isaa mirkaneessuufii gootni Dhaqqaboo Shubaa har'a ni dubbata.

Irra deebiin bara 1998 lola cimaan ummata Sidaamaa waliin naannawa Shaallaa, naannoo buufata xiyyaaraatti taasifame irratti soddaan Jeneraal Daraaroo ajjeefame. Bara kana mootummaan dhiifama taasise jedhee kanneen iddoo kamuu jiran akka galan eyyamee ture. Haa ta'u malee, garee Dhaqqaboo fi Daraaroo keessaa namni 7 ajjeefamuu akka qaban itti murteessan. Kkkkk..... kamiree dhiifamni?

Sababa du'a soddaa isaa kanaa fi murtii du'aa namoota torbarratti fudhatame kana mormuun kutannoon garee cimsatee, bosonatti lixe. Obboleessi isaa gali jedhee kadhatus, "Ani maqaa Oromoo fi maqaa kiyya hin balleessu," jechuun didee booreen taa'e.

Hawaasni bahee, garanaa garasii lallabe. Maanguddoon labsii dabarfatee ammas seera Gadaan hawaasa Oromoo fi Sidaamaa walitti araarsan. Kanumaan Jeneraal Daraaroonis gara qe'ee ofiitti galee leetoo eegale. Yeroo hawaasa keessa ture kanattis walgahii kaabineen waamtu hin dhaqu. Gibira lafaa hin gabbaru. Gaafatamus "Kan ummatarraa guurtanuu fidaa qawwee fi rasaasaan bitanna! Lafa keenya lafa Oromiyaa kan Waaqni nuu kenne irratti gibira nu gaafattuu" jedhee deebisaaf. Akka hiriyaan isaa Dhaqqaboon himutti misooma biyyattii jibbee osoo hin taane....., iccitii gibiraa wayyaanee

yeroo sanaa waan beekuuf jedha. "Inni tuqaatii jibba. Hin xuqinaa. Yoo xuqame nu balleessa," jedhanii waan sodaataniifis waa'ee gibiraas ta'ee walgahii itti hin dubbatan.

Bara 2000 hanga 2008 titti haala kanaan qe'ee isaa jiraate. Haa ta'u malee, Oromiyaa keessatti keessaayyuu 2006 irraa eegalee....., sababa 'maastarpilaaniin' lolli cimaan ka'ee babal'achaa dhufe. Gochichi garuu 'maastarpilaanii' osoo hin taane wayyaaneen kan qindaa'e, 'pilaanii' duguuggii ilmaan Oromoo ture. Dhiigni ilmaan Oromoo hedduus dhangala'e. Dirribii (2017:156)

Onkololeessa bara 2008/2015 manni maree mootummaa naannoo Oromiyaa walgahii isaa isa calqabaa irratti labsii lakk.195/2008 maaster pilaanii magaalota Oromiyaa naannoo Finfinnee jiran bulchiinsa Finfinnee jala galchuufi magaalota Oromiyaa biroo immoo Metropolis fi Regionopolis jechuun bakka lamatti qoodde, warra Metropolis jedhaman magaalota gurguddoo galii gurguddaa qaban akkuma kanaan dura magaalota Oromoo warra akka Finfinnee, Dirree-dawaa fi Awadaayiin seera malee Oromiyaa irraa fudhatee saamaa jiru ammas magaalota galii gurguddaa qaban kan akka Jimmaa, Adaamaa Naqamteefi kkf bulchiinsa naannoo Oromiyaa irraa fudhatee mootummaan Federaalaa akka bulchu, magaalota xixiqqoon hafan immoo akka mootummaa Oromiyaa jalatti bulan kan jedhu baase.

Barreessichi kun, mata-dureedhuma boqonnaa kanaa yoo kaa'us "Maaster Pilaanii= Master Killer" jechuun kaa'e.

Haala kanaan 2008 tii eegalee ajjeechaan namootaa daran dabale. Jeneraal Daraaroonis kana ijaan argee callisuu hin filanne. Dhaqqaboo Shubaa, Korroo Ganamoo, Jeneraal Daraaroo ta'anii wal waamanii mari'atan. "Ijoolleen teenya Oromummaaf jecha qalamaan harka duwwaa....., Amboo, Wallaggaa, Baalee, Haramaayaa, Arsii, Jimmaa,

Booranaa, Gujii, Walloo fi kkf irratti bakka hundaa dhumaa jirti. Nuti meeshaa waraanaa kan qabnu maaf hin dhumne? Maaf teenyee ilaalla?" jechuun loluu qabna jedhanii murteessanii ba'an. Kanumaan milkii qajeeli jedhanii sokkuuf yoo jedhan, maanguddoon J/Daraaroon jaallatu, nama beekaa kan jedhamu tokko waamee "Kinniisni riphee jira. Kinniisa kana hin urgufin. Yoo tuqxaan bararee biyya hiddee fixaa hin xuqin" jedheen. Daraaroonis deebisee, "Yaa hiddu. Kan du'e yaa du'u. Jalqaba bilisummaan osoo hin du'in nuti duuna. Du'an malee..., dhiigan malee bilisummaan yoom dhufee beeka?" jechuun itti himee loon qabu gurguratee rasaasaa fi qawwee dabalataa bitatee gara bosonaa lixe.

Achiis lola cimaa gaafa 7/6/2008 Hajjeerratti baname olaantummaan xumuran. Waraanni wayyaanee loltootuma Oromoo gara Hajjeetti ergee harkumaan harka nyaachise. Waraanni J/Daraaroofi Dhaqqaboo gaara gubbaa gamasii fi gamana qabatee riphe. Hawaasni fi maatiin Hajjee fuulduraan ba'ee ija keessa loltoota wayyaanee duchiisa. Kun tooftaa Jeneraal Daraaroon qindeesse ta'uu ni beekna jedhu korri bittinneessaa waraana sanarratti hirmaatanii lubbuun oolan. Waraanni Wayyaanees isuma fuuldura isaanitii isaan duchiisanii fi maanguddoota tooftaa lolaaf araara jedhanii dhaqan ilaaluun yaadan badan. Kun tooftaa waraana hawaasa Hajjeeti. Tokkummaa fi kutannoon hawaasa kanaa maanguddoon, daa'imni, dargaggeessi, qeerroon osoo hin hafin tooftaa kanaan diina fixu. Sobanii duchiisaniis rasaasa fixachiisu. Guyyaa kanas kanumatu ta'e.

Gareen inni gama tokkoo "Mee jalaa hin gorinaa ittisaa. Ittisaa rasaasa fixattee. Ittisaa" jedhu. Warri garee tokkoo immoo "Harkaan qabaa rasaasa fixattee. Harkaan qabaa" jechaa gidduutti galfatanii federaala fi kora bittinneessaa hedduu duguugan. Garee isaanii keessaa garuu nama Filicaa Waariyoo jedhamu qofatu du'e.

Lola kana erga milkaa'anii booda gareen J/Daraaroofi Dhaqqaboo walitti qabamuun filannoo gaggeessuun ijannoo fuuldura isaaniis kaawwatan.

1. Jeneraal Daraaroo Guyyee- Hoogganaa olaanaa
2. Dhaqqaboo Shubaa- Itti aanaa

Ta'uun muudamanii marii bal'aa erga gaggessanii fuuldura isaaniifis waan gochuu qaban erga teessifatanii booda bosona Urjiitti deebi'an. Wayyaaneen haala isaanii kana kan bare loltoota ciccimoo ta'an filee xiyyaara lama gara Arsii Lixaatti erge. Xiyyaara isaanii magaalaa Zuwaayitti buufatanii konkolaataa 14 fi miilan gara bosona Urjiitti qajeelan. Karaa Kaabaan konkolaataa 7 karaa Dhihaan konkolaataa 7, lafoon naannoo 300 kan ta'an halkan gara barii suphii bosona Urjiitti marsan. Jeneraal Daraaroon haala isaanii kana argee "Itti fiignee lolla," jennaan Dhaqqaboon "Fuula ba'a hin taatu. Itti fiignee hin lollu. Tooftaan malee, jarri tun baay'eedhaa nu fixxi. Rasaasnis nu harkaa dhumattee salphanna" jechuun dhoorke. Yeroo kana loltootni wayyaanee lafti xinnoo dukkana waan ta'eef, tirikaa ibsinaan garee Jeneraal Daraaroo keessaa namootni hedduun dheechan. Namootni 12 s qabaman. Daraaroon fa'i garuu nama torba qofatti hafuun lama, lamaan addaan wal qoodanii bosona Urjii irraa gara bosona Jaamaa/ Cabbiitti iddoo jijjiiratan.

Loltootni wayyaanees kan qabatan fudhatanii, kan dhaban dhiisanii sokkan. Gareen Daraaroo namni torban garuu, bosona Jaamaa ho'ifatan. Amma hawaasnis galaa, qawwee, rasaasa fi maallaqas geessuufii eegalan.



Suuraa J/Daraaroo fi Dhaqqaboon Hospitaala Kuuyyaraatti ka'an.

Haalli isaanii kun wayyaaneetti bitaa kan gale irraa jalaa boqonnaa wal dhoorkuun bulchaa godinichaa yeroo sanaa bilbila harkasaatirraa qabu irratti itti bilbilchiisan. Bulchichis haala tasgabbiin araara fakkeessee erga gaafateen booda, "Egaa qawwee haaraas qabna. Loltootas ijoollee ciccimoo qabna harka hin kennattu taanaan" jedheen. Daraaroonis deebisee, "Maal na goota.....? Qawwee haaraas....., ijoollee ciccimoo kees ergi. Homaa na gochuu hin dandeessu" jedhee tuffiin gootummaa isaa itti agarsiise.

Wayyaanee gara kan wallaalchise, gootni kun isa qabuuf qofa, qarshii "Miliyoonni Kudhan" ramadamee....., osoo galma hin gahiniif akka hafe walgahii guyyaa tokko hawaasni walitti qabame irratti abbaan Alangaa tokko akka dubbates hiriyaan Dhaqqaboo ni hima. Namni fira J/Daraaroo ta'e tokkos "Gali si gahee" jedheenii jennaan, jaalala nama kanaaf qabuuf jecha, "Mee buleen abjuu ilaala" jedhaan J/Daraaroon. Bariitus bulee "Abjuun kee maal siin jetteree?" jedhee gaafate. "Ani Alaabaa Oromoo uffadheen gabaa keessa deema. Ijoollee baay'een, lafaa dhufni kunniin immoo ennaa na jala fiiganin arge" jedhee deebiseef. Hiriyaan isaas adeemsa isaa argee "Milkaa'i...." jedhee nagaa itti dhaammate.

Kana booda miseensa ofii cimsatanii garee lamatti qoodamanii,

qabsoo itti fufan. Sababa Irreecha irratti Fulbaana, 2009 lubbuun Oromoota hedduu shira wayyaaneen badeef xiiqiin qabamanii guyyaa 26/1/2009 gareen Jeneraal Daraaroo magaalaa Burraa irratti gad ba'an. Loltootni wayyaanee konkolaataa 5 guutanii dhaqan. Miseensota 27s ajjeesan. Loltootni wayyaanees 12 dhuman. Guyyuma kana Hajjeerratti immoo garee Dhaqqaboon hoogganamutti loltootni wayyaanee konkolaataa 9 guutuun ergamuun....., garee Dhaqqaboo jalaa miseensi 35 du'an. Kan wayyaanee immoo 38 du'an. Lola kana keessatti hawaasa guutuu waliin kan madaa'ee fi kan harki irraa cite, namoota 45 ol ta'u, jedhu maanguddoonni naannawa Hajjee yoo himan.

Du'a guyyaa kanaatirraa kan hafan bosona ofiitti deebi'anii osuma jiraatan, sababuma qabsoon Oromiyaa keessatti cimee itti fufe Kanaaf, 'koomandipoostiin' akka biyyattiitti labsame. Xiyyeeffannaan 'koomandipoostii' kunis irra caalaan isaa ummatuma Oromoo yoo ta'u, saba Amaaras ni tuqa. 'Koomandipoostiin' yeroo san labsames garmalee hattoota wayyaaneef karaa banuu fi hundee Oromummaa /eenyummaa Oromoo/ jaamsuu ture.

Sababa kanaanis hattootni wayyaanee maatii Jeneraal Daraaroo reebanii mana hidhaatti galchuun dararan. Lafas akka hin qotanne, Kan qotatanii facaafatanis akka hin haammanne dhoorkan. Loon isaa haftes qabanii mooraatti galchanii bishaani fi marga malee fixuuf ga'an. Ammas bilbila harkasaa jirurratti bilbilanii "Koottuu harka kennadhu. Maatii kees hiineerra. Loon kees dhuma jiru," jedhaniin. Daraaroonis deebisee, "Loon koo Maqaleetti fe'adhaa; Ana na hin argattan....." jedhee sammusaanii rukute. Kan Dhaqqaboos kanumatu mudate. Haadha manaa isaa lachuu hidhanii gidirsan. Daa'ima dukkana keessatti boochisan. Lafas akka hin qotanne; kan qotamee faca'e akka hin aramanne irraa ittisan.

Jeneraal Daraaroon gidduma kana keessa dhukkubsatee ji'a Amajjii 2009 keessa yaalamuuf dhoksaan gara magaalaa Shaashamannee deeme. Achittis dhibeen itti furuu waan hin dandeenyeef, gara magaalaa Adaamaatti imalee yaalamuu filachuun garas sokke. Haa ta'u malee, osoo hin milkaa'iin hafee basaastuun basaasamee 5, 2009 qabamee, qawwee lama irraa fudhachuun gara Finfinnee mana hidhaa Maa'ikalaawwii geeffame. Qofaa isaatti guyyoota 20 f mana hidhaa dukkanaatti hidhame. Dararaa fi reebichi Maa'ikalaawwitti sirna wayyaanee Oromoof qindaa'e tokkoosaa irraa hin hafne.....

Walumaagalatti waggaa tokkoo fi ji'oota muraasa hidhamuun 6/2010 tattaaffii Pireezidaantii Oromiyaa Lammaa Magarsaan, Oromiyaan gara moo'ichaatti deebiteen Maa'ikalaawwii ba'e. Akka mana hidhaatii ba'eenis, akka ala ba'uuf haalota mijeessaniifii "Ala ba'i" jennaaniin, J/Daraaroon **"Abbaan biyyaa, biyyaa hin bahu! Biyyuma isaatti falmatee yoo du'es kabajjaan du'a. Eenyuu jedheen biyyaa ba'a?"** jechuun abbaa biyyummaasaa mirkaneessee, sodaa ormaa akka hin qabne agarsiise.

Jeneraal Daraaroo Guyyeen goota Oromiyaa Arsii Lixaa kan ta'e, yeroo ammaa maanguddoo umrii 65 ta'uun magaalaa Shaashamanneetti jireenya isaa gaggeeffachaa jira.

15. Alamaayyoo Atomsaa (1961-2006)



"Ilaalchi kiraa sassaabdummaa bade jechuu kan dandeenyu, ilaalcha fi gocha misoomawaa fi dimokiraatawaadhaan bakka bu'uu gaafa danda'e qofaadha."

“Akka taate ta’ii, seenaa kana dhaloota biraan naaf ga’i. Koola uummattee barristu allaattii taata; taatus, lammii keef iccitii galaanaa daakta. Yoo leetees ni leeta. Yoo duutees, nyaaphonni galaa jireenya dhumaa siif laatan sun, dararama gita harkasaanii dukkanicha keessaa akka cuunfaa Burtukaanaa ni xuuxxatu. Kanaaf adaraa ekeraa seenaa hin nyaatin. Imaanaa gootichaa santu na keessaa laboobaa,” naan jedhe. Fuula isaarraa akka galaana huuran duunfatamee, walitti cobe, kuusaa gadoo eelaa bara baraa ta’ee kan isa nyaatetu dubbifama.

Kan dhagahaa jiru hunda, qalbii keessa kootii hatameen haphadhee ija koo dunuunfachiisuu gaheen fuula isaa irraa, kan duumechaa’aa, xiiqiin bubbisu san caqasuu itti fufe. Akka nama abjuu keessa addunyaa sobaa too’achaa jiruun qal’adhee dhabame. Qaamni koo gitni marti isaanii wal dedeeggaranii dadhabbii fi icciticha dubbifamaa jiruun abdii wal kutachiisan. Yeroo jechootni xiiqii wal duraa duubaa yaa’an san....., tarree isaanii san galchee kaa’uuf, yaa turuu, seenaa fi giimiin keessa koo wal utubee imala dhoksaa na imalchiise. Kanaafan, akka ta’e ta’ee, ijaan qiyyaafadhee afaansaa keessa ilaalaa, harkaan waraqaa adii baafadhee, qalamicha itti dhoobuuf, al tokko “Mee.....mee.....maal...maal... jet....jettee....?” ‘n jedheen sobee of jajjabeessaa akka nama yaadni jala loo’ee.

“Obboleessi koo shiraan ajjeefame.....” jedhee osoo inni afaanii hin fixinan, gidduutti kutee, mee hundeedhuma irraa, iddoo dhalootaa irraa natti hasaasi yaa dhaloota koo ‘n jedheen. Amma xinnoo daakkii sana keessaa ol ba’e.

“Obboleessi koo Alamaayyoon, abbaasaa Atomsaa Mijanaa fi haadhasaa Ayyaluu Birruu irraa bara 1961, godina Jimmaa, aanaa Noonnoo Beenjaa, ganda Konyiitti dhalate. Godinni Jimmaa, aanaan Noonnoo Beenjaa fi Wallaggi Bahaa, aanaan Boonayaa Boshee kun daangaa tokkorra jiru. Bara 1978 yeroo Alamaayyoon kutaa 12

xumuree carraa biyya alaatti deemee barachuu argatee gargaarsa dhabee....., jeeqamaa turetti, Waraqaa Eenyummaa ganda itti dhalate, godina Jimmaa, aanaa Noonnoo Beenjaa, ganda Konyii baafachuuf yoo gaafatu, gandi kun Alamaayyoon sammuusaa aariin waan qabsiiseef, baduu danda’a jedhanii shakkuun “Asitti hin baranne ati, asitti hin guddanne ati” jechuun waraqaa eenyummaa kana dhoorkatan. Amboo, Gobbuu Sayyoo fi Sireetti akka barate waan beekaniif kallattii kana sababa godhachuu filatan.

Alamaayyoonis yeroo isaan waraqaa eenyummaa kana dhoorkatan, isa dhiisuun gara godina Wallagga Bahaa, aanaa Boonayaa Boshee, ganda ollaa keenyaa kan taate, Kooyee Konyii irraa waraqaa eenyummaa baafate. Kanaan booda, iddoo garagaraatti..... uunki waa’ee Alamaayyoo odeeffannoo barbaadu kamuu waraqaa eenyummaa kanarraa ilaalamee guutamaa ture. Akkasumas guyyaa Alamaayyoon du’e, jaalleewwan isaa yeroo waa’ee isaa uunkaa guutanii gabaasan madda dhalootasaa hidda waraqaa eenyummaa aanaa Boonayaa Boshee kana godhachuun beeksisaa turan. Kanas ta’u, sana ilmi guddaan saba Oromoo tokko dhalatee biyyasaaf galaa ta’ee....., osoo galaana barbaade hin daakin ofiisaa hirriibni dirqii qabe.” Naan jedhee, yeroo waa’een gootichaa dhahamu, aarii hillima dukkanaa tokkoon imimmaan ija guutee, hidhii cinaannatee urufa ilaalaa mataa raase. Anis keessa kootti iccitiin sodaa fi yaaddoo guddaan tokko guuttameen yeroof gidduu keenyatti calleensi wayii bu’e.

Gidduudhuma kanaan onnee jajjabinaa tokko horadheen, obbo Taammiru dhiisaa. Gootni du’u, dhaloota goota horatee xurree qajeelinaa fi qabsoo irra imalchiiseeraa. Obboleessi kee hin duune, jedheen sagalee jajjabinaa miti gaddaaf hin taane tokko dhageessise. Akka hirriibaa dammaquu tokko ta’et... “Tole dhiifama ilmakoo,” jedhee gara seenichaatti deebi’e. Amma akka duraa afaansaarraan funaane osoo hin taane, anis akkan beekuttan afaan koon hiikkadhee

barreessuu eegale..... Taammiruun obboleessa Alamaayyoo hangafaadha.

Akaakayyuun Alamaayyoo obbo Miijanaa lola bara Xaaliyaanii dura taasifamaa ture keessatti Abbaa Duulaa ture. Dandeettiin isaan Fardaan reebaa Eeboon diina gonbisuu qabus adda ture. Ilmi isaa Atómsaan immoo Xaaliyaaniin lolaa ture biyyasaaf dawoo dhaabbii ta'uutu himama. Miijanaa "Ilmaan kee eessa jiru situ nutti bobbaase" jedhamuun Xaaliyaaniidhaan ija ijoolleen isaa taa'ii fi ka'ii dhoorkatte wareegame. Abbaan Alamaayyoo, ilmi Miijanaa ammoo erga Xaaliyaanii barbadeessaa ture....., manneen hawaasaa hedduu gubachuu irraa oolchee booda araddaa isaatti deebi'uun bara 1990 boqote.

Alamaayyoo Atomsaa obboleewwan 11 waliin dhalate. Baay'een isaanii carraa barnootaa hin arganne. Mulaatuu, Dhangiyaa, Ciraantii, Adabaa, Feetumaa, Taammiruu, Gizaawu, Asfaawu, Amaamotee, Soorsanii fi Abarraa jedhamu. Gosa Daaragootii kan ta'e....., ilmi saba bal'aa qabsaa'aa Alamaayyoon haadha warraa aadde Tsahaay Bantii jedhamtu waliin bultiis ijaarratee ijoollee 4, Maqdas Alamaayyoo, Sanyii Alamaayyoo, Leensaa Alamaayyoo fi Roobenuus Alamaayyoo kan jedhamanis horatanii jiru. Alamaayyoon umrii daa'imummaa isaatti Bishaan daakuu baay'ee jaallata ture. Kennaan inni Bishaan daakuu irratti qabus ummataa akka dinqisiifatamu isa taasise.

Bara 1966 gara magaalaa Ambootti imaluun barnootasaa kutaa 1ffaa jalqabe. Magaalaa Ambootti adaadaa haadhasaa bira taa'ee hanga kutaa 5ffaatti barate. Haa ta'u malee, carraasaa ta'ee waggaa shan booda adaadaan haadhasaa kun gara fuula Rabbii waan jalaa deebiteef, nama bira taa'ee baratu dhabuun, gara Wallagga Bahaatti deebi'uuf....., dirqame. Jaalalaa fi dandeettii addaa baruumsa isaa irratti waan qabuuf addaan kutuu hin barbaadne. Kanaaf namuma

hidhata dhiigaa hin qabnetti hiiqee taa'uun, gargaarsa namaan aanaa Gobbuu Sayyoo, magaalaa Aannootti kutaa 5-8 barate. Kutaa 8-12 ammoo magaalaa Sireetti xumure.

Bara 1978 kutaa 12 xumuree qabxii bayeessa argatee, biyya Raashiyaatti akka baratuuf, mootummaan Dargii erge jedha obboleessi isaa Taammiruun. Haa ta'u malee, maatiin Alamaayyoo humna ilmaasaanii alatti ittiin ergan waan dhabaniif, carraan kun jalaa gubate. Hiriyaansaa Darajjee Bantii garuu biyya alaa imaluun barnootasaa isa cinaa barate. Alamaayyoo haalli kun waan itti dhaga'ameef baay'ee jeeqamaa..... ture. Waraqaa Eenyummaa aanaa Boonayaa Bosheetii baafatee hojii barbaacha magaalaa Naqamtee fi maatiisaa gidduu deddeebi'uu jalqabe. Haala akkanaa kana keessa osoo jiru, bara 1979 magaalaa Naqamteetii dargaggoota hedduu waliin Dargiidhaan qabamee gara dirree waraanaatti ergame.

Iddoo "Allamaaxaa" jedhamtuttis waraana 400 ta'anii leenjii erga xumuranii booda, kallattumaan gara waraanaatti ergaman. Alamaayyoo Atomsaa yeroo kanatti ajajaa waraana kanaa ture. Ta'us, dararaa Dargii jibbee xiiqii qabatee....., gootummaa isaa ibsee lammiisaa ifa agarsiisuuf, qabsoo warra ergameef dhiisee warra Dargiitti qabsaa'anitti makame. "Dargiif hin lolu, achii as lolla, Dargii lollee biyya bilisa baasna" jedhee waraana 400 amansiisee, waraana wayyaanee yeroo san aangoo qabachuuf qabsoorra jirutti makame.

Qabsoo dheeraan erga ta'ee booda, Dargii kuffisuu keessatti gahee olaanaa taphatanii bara 1983 wayyaaneen yeroo gara aangootti dhufu qabsaa'aa Alamaayyoonis waliin dhufe. Kana booda, sadarkaa garagaraatti iddoo adda addaatti ramadamuun gahee isaa fi kennata dhalootaaf dirqama bahuu eegale jaallee Alamaayyoo Atomsaan.

1983 akkuma wayyaaneen aangoo qabatteen....., Bulchaa godina

Wallagga Bahaa ta'ee, hojjataa ture. Waggaa lamaaf Wallagga Bahaa dhugummaa fi aantummaan tajaajilee ummata erga tasgabbeessee booda, gara Lixaan naannoo Asoosaatii lolli cimaan ka'ee ture. Yeroo kana hooggantootni naannicha hoogganan baay'een isaanii naannoo san gad dhiisanii baqatan. Alamaayyoon yeroo kana argu, "Biyya keenya kutnee ormaaf laataa? Daangaa irraan ormaaf kenninee walakkaa teenyee maal goona....? Bor gara walakkaa yoo dhufan hoo...?" jechuun xiiqii qabatee, gara Wallagga Lixaa deemee kutannoo fi jaalala dachee fi saba isaaf qabu agarsiise. Bulchaa ta'ee Wallagga Lixaas tajaajilaa ture.

Yaa'ii Dhaabbata Dimokiraatawaa ummata Oromoo 1986 Bishooftutti gaggeeffame irratti koree giddugaleessaa ta'ee filatame. Jaallee Alamaayyoo Atomsaan qabsaa'aa kutataa biyyaa fi amaanaa biyyaa, akkasumas jaalala biyyasaaf qabu ifaan galmaan gahuuf gara kuteenyaan iddoo garagaraatti aantummaa lammiisaa ibsuuf dhugaan of kennee hojjachaa ture.

- ✦ Waajjira Dhaabbata Dimokiraatawaa Ummata Oromoo giddu galeessatti itti gaafatamaa sab-qunnamtii dhaabaa
- ✦ Biiroo nageenya fi Oromiyaa
- ✦ Biiroo haqaa
- ✦ Bulchaa godina Wallagga Lixaa
- ✦ Dhaabbata Raadiyoo fi TV Itoophiyaatti daarektara olaanaa
- ✦ Biiroo dhimmoota kominikeeshinii
- ✦ Hooggansa biiroo beeksisaa fi sab-qunnamtii Oromiyaa
- ✦ Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Ta'uun yeroo adda addaatti gahuumsa olaanaan hoogganaa cimaa ta'ee...., tajaajilee jira. Alamaayyoon dandeettii uumamaan hawaasa isaa tajaajiluu qabu cinaatti, barumsa ammayyaanis gahuumsa dabalachuun ummatasaa tajaajiluutti amana ture. Kanaanis:- Digirii isaa jalqabaa "Barnoota Seeran" Yuunivarsitii Siivil Sarvisii Itoophiyaa irraa fudhate. Itti fufuunis Digirii isaa lammataa Yuunivarsiitii Beijing

irraa "Xiinxala Imaammata Ummataa" ykn Public Police dhan qabxii olaanaa /distinction/ fiduun goolabe.

Kaayyoo fi mul'atni isaa guddaan hawaasa biyyasaa rakkoo keessa jiru gaara rakkoo diigee....., haqaa fi dhugummaan tajaajiluudha. Filannoo guutuu biyyaa bara 2002 adeemsifame irratti bakka bu'aa ummataa ta'uudhaan, miseensa "Caffee Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa" ta'ee filatame. Akkasumas, dhaabbata bulchiinsi mootummaa naannoo gaggeessaa turee fi leetoo dhaabbata dimokiraatawaa Oromoo keessatti miseensa koree giddugaleessaa fi miseensa koree raawwachiiftuu ta'uun, hojiiwwan isaa amanamummaa fi kutannoon hojjatee jira. Miseensa koree hojii raawwachiiftuu ADWI 's ture.

Hagayya bara 2002 yaa'ii 6ffaa dhaabbata dimokiraatawaa ummata Oromoo galma Abbaa Gadaa Adaamaatti taasifame irratti ammoo, dura taa'aa dhaabbatichaa ta'uun...., filatame. Imaanaa lammiisaa fudhatee baay'ee hojjachuu akka qabuuf waadaa gale.

Bilchinni inni agarsiisee fi dandeettiin hojii lammiisaaf ittiin hojjachaa ture daran olaantummaa fi fudhatamummaa waan argateef hawaasa isaa biratti guddaa abdatamaa dhufe. Kanaanis, yaa'ii Idilee caffee bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa 4ffaa, bara hojii 1ffaa, irratti Fulbaana 2003 "Pirazidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa" ta'uun filatame. Ummata isa filateef haqaa fi kutannoon hojjachuuf harka ol qabee waadaa akkas jedhu gale.

"Ani Alamaayyoo Atomsaa, guyyaa har'aa caffee fuulduratti dhiyaadhee....., Pirazidaantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa ta'ee, ogguun muudamu, heera mootummaatiif amanamaa ta'uudhaan...., itti gaafatamummaa, mootummaan naannichaa fi ummataa natti kenname, haqummaa fi kaka'uumsa gaariidhaan,

akkasumas, seera fi hojimaata bu'uura godhachuudhaan, hojii koo raawwachuudhaaf waadaan seena" jechuun lammiisaaf hojjachuuf waadaa gale. Akkuma waadaa gale daandii haaromsaa qabatee gara kuteenyaan, bulchiinsa dhugaa mirkaneessuuf shirtuu fi kiraa sassaabduu irratti haqummaan qabsaa'ee biyyasaaf hojjachuutti bobba'e.

Bara 2005 yaa'ii dhaabbata dimokiraatawa ummata Oromoo 7ffaa Adaamaatti taasifame irrattis yeroo 2ffaa dhaaf dura taa'aa dhaabbatichaa ta'uudhaan filame.

Akka jaalleen qabsoosaa Dr. Nagarii Leencoo Dhaabbata Raadiyoo fi TV Oromiyaaf ibsetti, jaallee Alamaayyoo ilaalchi isaa guddaan, ummatni bulchiinsa sodaachuu osoo hin taane....., bulchiinsi ummata sodaatee hojjachuu qaba kan jedhutti amana ture. Tokkoon tokkoo namaas kan madaalu itti dhiyeenyan..., walitti dhufeenyan osoo hin taane....., hojii itti kenname hojjachuu fi dhiisuusaa fi bu'aa hojii sanaa qofaadhani. Baay'ee haasa'uurra baay'ee hojjachuu fi deebii gabaabaa quubsaa kennuu danda'u turan. Baay'ee dhagahanii xiqqoo dubbatu. Hojii Waaqayyoottis sirnaan dhimma ba'u. Waaqayyo gurra lama nuuf kennee, afaan tokko kan nuuf kenneef baay'ee dhaggeeffannee xiqqoo akka dubbannuufidha.

Qabsaa'aa Alamaayyoo Atomsaan, jiruu fi jireenya isaa keessatti kan inni jibbuu fi araara tokko malee irratti qabsaa'aa ture, kiraa sassaabdummaadha. Kira sassaabdota gadii kaasee hanga aanga'oota olaanaatti irratti qabsaa'aa ture. Hidda kira sassaabdummaa hundeen buqqisuuf bakka ga'ettis jireenyatti nagaa dhaammate. Hojii kamuu hojjachuu keessatti, of dursuu fi nama dhuunfaa dursee faayidaa kennuun duratti....., seera dursa. Jijjiirrama ummata Oromoo ija isaan arguu barbaada. Hawwiisaa guddaas ture. Bara hooggansa isaa keessatti maatii isaa fi ummata isaa ija addaan ilaalee hin beeku.

Qabsoo kira sassaabdummaa keessatti ofii fakkeenya ta'uun malaammaltummaa mataa gad cabsee jira.

Mucayyoon hangafaa jaallee Alamaayyoo, Maqdas Alamaayyoo bara 2002-2005 Godina Horroo Guduruu, aanaa Guduruutti hojjattuu mootummaa turte. Naannawa isheen dalagdu kanatti bu'uraaleen jireenyaa kanneen akka bishaani fi geejjibaa fa'i barichatti gahaa hin turre. Kanumaan guyyaa tokko abbaashee jaallee Alamaayyoon, "Naannoo kanaa gara biraatti na jijjiiri, bishaan hin jiru, geejjibni hin jiru" jettee wantoota adda addaa itti himtee kadhatte turte. Alamaayyoon garuu jala sararee jijjiirramuu akka hin dandeenye mucayyoo isaatti hime. Irra deebitee yeroo adda addaatti gaafattus inni dhagahuufii hin dandeenye. "Bishaanis isa Oromoon achi jiru dhugu, dhugi.....! Geejjibas isa Oromoon achi jiru fayyadamu, fayyadami.....! Nyaatas isa Oromoon achi jiru sooratu, sooradhu.....! Ati mucaa Pireezidaantii waan taateef jijjiirramtee iddoo gaarii galta; inni akka kee abbaa pireezidaantii hin qabne hoo akkam yaa ta'u.....?" jechuun deebiseef. Aantummaa ummatasaaf ilaalcha qixummaa qabu mul'ise. Seenaa kana yeroo natti himtu Maqdas imimmaan galaanaa dhangalaasati. Hanga seenaa kana himuu dadhabuuttis geesse. Kutannoo abbaanshee aantummaa lammiisaaf qabu yeroo yaadattu baay'ee jeeqamti.

Jaalleewwan qabsoosaa Dhaabbatni Raadiyoo fi TV Oromiyaa haasofsiisee, waa'ee Alamaayyoo yoo dubbatan, "Alamaayyoo kutaan mana kee kun siif hin ta'u, siif yaa ijaaramu yookiin keessa siif kutna, manni si barbaachisa yeroodhuma jenneenillee, 'dursa asirratti seerri maal jedha? Waan seerri jedhuun alatti gurri tokko naaf hin citu' jechuun ofiisaa caalaa aantummaa lammiisaaf qabu dubbata" jedhanii gadda ija imimmaan calaleen dubbatu. Baay'ee kan nama gaddisiisuu fi dhuguma qabsaa'aa haqummaa ta'uu isaa kan agarsiisu....., hanga gaafa boqotuuttilllee mana jireenyaa dhuunfaa isaa kan hin qabnee dha.

Bara hojii isaa keessatti kallattii kamiinuu ummatasaa milkeessee argamuuf gama misoomaan....., gama fayyaan....., gama barnootaan...., gama hoji dhabdummaa balleessuun, raayyaan hojjatanii jijjiirramuu fi kkf..... irratti carraaqii taasisuun, hiyyummaa fi doofummaa gaara isaa diddiigee jira. Mul'atni isaa ganamaa jiruu fi jireenyi hawaasaa fooyya'ee arguudha. Hanga lubbuun isaa wareegamtuttis seenaa hojjachaa, jiruu ummatasaaf watwaataa gara imala jireenya bara baraatti fufe.

Jijjiirrama biyya tokkoof imaanaa guddaan hooggansa irra jiraachuu Alamaayyoon akkamiin ibsa?

"Hooggansi mootummaa jedhamus, seektarri mootummaa jedhamus hundi, galmi isaanii dhumaa maalinni? Ergamni kennameef maalinni.....? Anaaf hanga naaf galutti, jiruu fi jireenya ummataa fooyyessuu qofaadha. Karaa fedheen hojjachuu danda'a. Galmi isaa dhumaa garuu jiruu fi jireenya ummataa fooyyessuu qofaadha. Hojii biraa waan qabu natti hin fakkaatu. Jiruu fi jireenya ummataa fooyyessuun argamuu, jechuun ammoo inni jalqabaa....., namni nyaatee buluu hin dandeenye, nyaatee akka bulu gochuu danda'uudhaa ol hojiin inni jalqabaa jiraachuu hin danda'u. Fayyadamummaan ummataa sirna kanarraa, hojimaata kanarraa fayyadamee jira jechuudhaaf maalinni?

Namni agabuu bulaa ture, har'a nyaatee buluu danda'uu isaa yoo mirkaneeffate qofaadha. Kanaachi maal godhaaf dhaadannoon keenya? Innoo garaa maratee agabuu bulaa jiraa, oolaa jira. Dhaadannoon nuti dhageessisnu maal godhaaf? Kanaaf namni beela'ee jiru, namni hojii dhabaa ta'ee jiru akka inni carraa hojii argatu, yoo xinnaate akka inni nyaatee buluu danda'u, adeemsan ammoo sadarkaa biraatti akka inni ce'uu fi jireenya isaa fooyyeffatu gochuudhan alatti namni hooggansarra jiru hundi hojii biraa qabaa.....? Hojiin biraa, ergamni biraa siniif kenname jiraate taanaan ammoo dubbachuudha.

Yoo dhuguma gaggeessadha ta'e, yoo dhuguma nama kaayyoo ta'e, jiruu fi jireenya ummata sanaa fooyyessuudha yeroo hunda kan isatti dhagahamuun irra jiru. Sammuu isaa keessatti deddeebi'uun kan irra jiru. Yeroo dhimma kanarratti qoosamu, lubbuu namaarratti qoosaa jiraachuu beekuu danda'uu qabna. Inni

irratti qoosu, nuti yoo xinnaate nyaatnee bulla. Namni nyaatee buluu hin dandeenye garuu miliyoonatu jira. Nuti kan dhibu isa duuba keenyaa, lammii keenya osoo hin taane, isa asii arraba babbareeffannee gabaasa dhiyeessudhaafi. Waan rakasa ta'e jechaadha.

Yakka akkamii akka hojjataa jiru miti kan itti dhagahamu isatti. Hammam yakkamaa akka ta'e silaa of ilaaluun kan irra jiru gaggeessan. Dirqamnii fi ergamni isaaf kenname bakka jirutti, jiruu fi jireenya ummata kanaa fooyyessuun, inni ofiisaatii ciisee nyaataa bulaa....., inni kaan agabuusaa yeroo rakkatu, callisee kan ilaalu..., yakka akkasii hojjataa akka jiru miti kan itti dhagahamaa jiru.

Isaaf waltajjii asitti gaggeeffamtu kana achi dhahee....., as dhahee jala darbuudha inni guddaan. Waan gaggaarii gosa barbaade haasa'ee, dhiisee maalinni hiikkaansaa.....? Yoo nama tokko rakkoo keessaa baasuu hin dandeenye. Ani kana sadarkaa dogoggoraatti osoo hin taane, yakka hojjachaa akka jiruttan fudha. Ummata qulqulluu irratti. Si bulchina....., si gaggeessina..., maal si goona jennee isumarratti deebinee yakka hojjachaa jiraachuu keenya nutti dhagahamuun kan nurra jiru. Ji'a 7 booda har'a erga ummatni meeqa dhumatee walgaheetu, kana fooyyessina gara fuulduraatti akkas goonee, maaloo goonee, edda namni meeqa beelan rakkatee booda jechuudha.

Ummatni ofiisaatii osoo hin baratin nu barsiise, waa'een isaanii nu quuqutu irra jira. Jaallattanis, jibbitanis, hundi keenya yookiin irra caalaan keenya baadiyaadhaa dhufne. Ammas maatiin keenya achuma jiru. Rakkoo tokko yoo haasofnu tokkoon tokkoo maatii keenyarra gahaa akka jiru beekuun barbaachisaadha. Isaanirraa dhalannee, isaanirraa baanee rakkoo keessatti isaanuma galchina.

Hanga yoomitti qamadii kadhanna.....? Hanga yoomitti hiyyummaa keessa jiraanna.....? Hanga yoomitti namni beelan rakkataa, wanti jedhu hunduma keenya kan dhimmamsiisu ta'uutu irra jira. Xiyyeeffannaan keenya inni jalqabaa hiyyeeyyii, hiyyummaa keessaa baasuudha. Jaalatamees....., jibbamees....., carraan ummata naannoo keenyaa nu harka jira. Yookiin hojjannee duubatti hafummaa keessaa baasuu, yoo kanaa achii immoo umrii inni hiyyummaa fi boodatti hafummaa keessa turu dheeressuun nu harka jira.

Amma booda hojjataaf madaallii (cognition) kennuun barbaachisaadha. Isa dhama'ee hojjateef beekamtii kennuu fi isa dadhabes sochoosuun rakkoolee dhabamsiisnee injifannoo fiduufidha. Jechuun gootichi hooggansi akka hojiitti gara kuteenyan seenuuf agartuu qajeelinaa lammiisaaf qabu ibsa.

Beela'aa fi dheechochaa seenaa biraa odeessuun gonkumaa ta'uu hin danda'u, kan jedhuudha kutannoon Alamaayyoo Atomsaa imalchiisaa ture. Gootni sabaa, kutataan lammiisaa, qabsaa'aan dhugaa seenaa isaa keessatti kan hanga haqummaan ummata kana tajaajilee jireenya hawaasichaa jijjiiree arguu caalaa gammachiisu hin jiru. Malaammaltummaan Eeboo waraansaa hamaa ummataati....., jechuun kallattiin caasaa mootummaa keessattii fi dhuunfaa irrattillee qabsaa'ee waraabeyyii hedduus salphisee jira. Hanga lubbuun isaa wareegamtuttis gara laafina tokko malee kira sassaabdummaa irratti duulee wal qixxummaan fayyadamummaa ol aangesse. Lubbuu isaas itti hin qusanne.

Jaalleen qabsoosaa Ambaasaaddar Daggafee Bulaa yeroo Dhaabbata Raadiyoo fi TV Oromiyaatiif yaada kennan, "Alamaayyoon dhuunfaan illee yeroo dubbatu 'ummata Oromoo hiyyummaa keessaa baasuu qabna....., malaammaltummaa diiguu qabna, nuti ummata qote-bulaa waan taaneef isaaniif darbuutu irra jiraata,' jedhee dubbata. Xiyyeeffannoon qote bulaaf qabu olaanaadha." Jedhu. Gootni akkasii yeroo haqummaan aantummaa ummatasaa caalsifatee iccitii lammiisaa jijjiiruu xiyyoo fagoon galaa guduunfatee imala eegaletti karaa hedduu osoo hin qaxxaamurin dhibeedhaaf saaxilame. Kunis harka shiraan ta'uun hin hafne. Waggaa lamaaf dhibeesaa yaalamaa, na dhukkuba nan ciisa osoo hin jenne, na dhukkuba har'a boqonnaan fudha osoo hin jenne, iccitii dhukkubbii isaa keessa isaatti obsaan guduunfatee imaanaan lammiisaa itti kenname teessisuu dhoorkee halkanii fi guyyaa hojjachaa ture.

Gaazzexeessaan OBN Zinaabuu Asiraat 'filmii dokumentarii' seenaa Alamaayyoo qopheesse irratti, waa'ee dhibeef saaxilamuu Alamaayyoo yoo ibsu, "yeroo gaggeessummaan dachaan itti kennamee....., ga'uumsaan ba'achaa turanitti, umrii itti fiiganii hojjachuu danda'anitti, waadaa lammiigalan kutannoon hojjachuuf qabsaa'aa jiranitti dhibeen fayyaa isaan mudate" jechuun ibsa.

Biyya Taayilaanditti deddeebi'ee yeroo yeroon yaalamaa ture. Yeroodhuma kanas yaalii isaa xumuratee har'a gara biyyaatti deebi'e yoo ta'e, yeruma sana boqonnaan fudha osoo hin jenne, kutaa isaa seenee hojii hojjachuu eegala jedhu obboleessi hangafaa obbo Taammiruun. Jaalleen qabsoo Abarraa Maammoo,s waa'ee Alamaayyoo Dhaabbata Raadiyoo fi TV Oromiyaatif yoo ibsu, "Waa'ee dhukkuba isaa guyyaa tokko hin dubbanne; guyyaa tokko na dhukkuba hin jedhu. Waa'ee dhukkubaa akkami? Jettee yoo itti kaastellee, ani fayyaadha; isin jabaadhaa....., 'message' dhaanis, bilbilaanis yoo duukaa dubbatte, ani baay'ee gaarirran jira, isin jabaadhaa hojiitti, akkamaa illee hojii jedheet osoo waa'ee dhukkubaa afaanii hin baafatin isa si gaafata. Dirree Xiyyaaraatii fuunee, manatti galchineen borumtaa isaa hojii deeme obbo Alamaayyoon" jechuun ibsa.

Haati manaa Alamaayyoo Atomsaa aadde Tsahaay Bantiis aantummaa lammiisaaf qabu yeroo hunda lapheeshee keessa naanna'u haasaa Dhaabbatni Raadiyoo fi TV Oromiyaa taasiseef irratti yoo ibsitu, "Yeroo dhukkuba isaa keessatti dhuma kanarra yeroo asii deemnu, torban tokko yaalarra turee....., namni miseensa dhaabbata kanaa ta'e tokko dubbisuu gaafa dhufu..., siif waamuu maaliif barbaadde jedheen. Ani maaliif barbaadde kanin jedheen, waa'ee ijoolleesaatii, waa'ee maatiisaatii, adaraa ijoolleekoo, adaraa maatiikoo hangan as jirutti jedhee itti hima, jedhee gaafan yaadu, maal jedhaa; waa'ee qonna Gannaa, waa'ee jallisii ammoo jedhee, sadaffaarratti ammoo

IMX kana hoji dhabeeyyii xiqqeessuu dandeenya..... jedhee gaafa inni itti dubbatu, ani kanaaf yaamta hin seene, waa'ee ijoollee keetii itti himta se'een yaame yeroon jedhuun, **'Ijoolleen koo ummata Itoophiyaa qabdi....., ummata Oromoo qabdi....., ummatni Oromoo osoo jiruu ijoolleen koo waayyuu hin taatu' naan jedhe'** jettee dubbatti.

Alamaayyoo Atomsaa jijjiirrama biyya kanaa har'aaf wabii ta'ee, ofii ijjisaa dachee aarsaa ta'eef akka cincila bilisummaa argatte osoo hin argin karaa ba'anii hin galle qaxxaamure. Waggaa 2 guutuu dhukkubsachaa....., mana yaalaatti deddeebi'ee yaalamaa....., leetoo biyyasaa jijjiiruuf boqonnaa dhabaa, osoo na dhukkube hin jenne, dhimma dhuunfaa fi fayyaasaa caalaa jiruu fi imaanaa ummatasaaif hanga hafuura dhumaa baafatutti boqonnaa malee kutannoon hojjate. Ta'us seerri uumaa, uumaa isaa waan hin cabsineef, yeroon geessee biyyoon garaa itti jabaattee gara ofiitti fudhachuuf qoqophoofte.

Zinaabuu Asiraat documentary fiilmii Alamaayyoo irratti waa'ee du'a Alamaayyoo akkasiin ibse, "Guraandhala 26, bara 2006 waariin gaafa Roobii barii Kamisaatiif suuta....., suuta....., yeroo isaa eeggatee iddoo gad lakkisaa jira. Seera uumamaati. Gootni Boonayaa Boshees bakka wal'aanamaa ture Taayilaand Baankuukitti dirqama uumamaatiif harka kennuuf yeroon geesse. Seera dhufaa darbaa dhala namaati. Kutannoo qabsoo aantummaa fi jaalala ummatasaa jaallen isaaf galaa godhee hafuura ishee dhumaa obbaafate. Dhalatee waggaa 45 tti wareegame. Firootni, maatii fi jaalleewwan isaa Guraandhala 27, 2006 halkan waarii Boolee buufata xiyyaaraatii reeffa isaa gadda guddaadhaan simatan. Dungoo ta'ee...., ummatsaatiif ifee ofiisaatiif baqe. Wareegamuun obbo Alamaayyoo Atomsaa ummata Oromoo daangaa hanga daangaatti gaddisiise" jechuun ibse. Biyyoon garaa itti jabaattee ilmi saba bal'aaf kennaa kenname, hirriiba dhumaa rafe.

Muummichi Ministeeraa yeroo sanaas obbo Hayilamaariyaam

Dassaaleny du'a Alamaayyooof gadduusaa sirna awwaalcha isaarratti akkas jedhee ibsate. "Qabsoo seenaan yoomiyyuu hin daganne hojjatee darbeera. Haaromsa ummata Oromootifis ta'ee...., ummata biyya keenyaaf kaayyoo inni qabsaa'ee fi muuxannoon qabsoosaa jaallewwanii fi dargaggoota dhaloota haaraan akka itti fufu shakkii hin qabu...." jechuun dhalootaf ergaa dhaame.

Ummatni Oromoo fi biyyi guutuun alaa fi keessaa yaa'ee Istaadiyeemii guddicha Finfinneetti yeroo dhumaaf jaalala isaaf qabanii fi du'asaaf gaddan dhaadannoo "Kaayyoon warraaqsi dimookiraasii wareegamteef qabsoo keenyaan itti fufa" jedhuun gaggeessan. faaruu akkas jedhuunis waadaa galan.

Misoomni saffisee

Akka galma gahuu

Nutis waadaa gallaa

Akka siif milkaa'uu....

Waadaan galames turee, bubbulus obsa guduunfatee jaalleewwan isaa obbo Lammaa Magarsaan hundee ifaa ta'ee, futtaafatee as ba'e. Ofii wareegamee jaalleewwan akkasaa bakka buufate. Jaallee Alamaayyoo Atomsaa dhabuun....., ummata Oromoo fi dhaaba qabsaa'aafii ture hedduu miidhe. Mana amantaa Kaatederaal Sillaasee Finfinneetti sirni awwaalcha isaa raawwatame. Iddoo dhalootasaa godina Jimmaa, aanaa Noonnoo Beenjaa, ganda Konyii, iddoo Keellaa jedhamutti siidaan uummata naannoo sanaan hojjatameefii jira.



Paarkii Alamaayyoo Atomsaa godina Wallagga Bahaa, aanaa Boonayaa Boshee, ganda Jawwis keessatti argamu.

Godina Wallagga Bahaa, aanaa Boonayaa Boshee, ganda Jawwisittis paarkiin dhaabateefii kunuunfamaa jira. Bulchiinsi magaalaa Alamaas karaa Asfaaltii dheeraa tarree goototaa keessaa Alamaayyoo Atomsaan moggaafatee suurasaa guddaatti mul'isee jira.

Obboleessi Alamaayyoo hangafti, obbo Taammiruun du'a obboleessa isaatti baay'ee gadduun, duuti isaa shira xaxameen ta'uu shakkii qabaachuufii goototni biyyaaf dhimman gaafa jiran seenaa hojjatan, har'a kan dhokatan seenaan isaanii qoratamee akka ba'u, yoo seenaan isaanii jiraate, nama boru biyyaaf dhimmus arganna; kanaaf sabnisaa seenaa Alamaayyoo akka hin awwaalle jechuun dhaammata.

16. Hiikaa Awaajii/Abbaa Gammachiis/ (1856-1931)



Ummata Oromoo erga sirni Gadaa irraa mulqamee, sirna mootiitiin bulaa turan irraa jalqabee, moototni xixiqqoo fi mootummootni gurguddoon dhiibbaa adda addaa shiraan xaxanii irraan gahaa turan. Isaan keessaa inni tokko abbaa biyyaa ta'ee, biyya isaarra jiraachuu

dadhabuun baqachuufi akka loonii fi meeshaa gabaatti baafamanii gurguramuudha. Gama diinagdee, hawaasummaa fi siyaasaan cunqurfamuudha. Mirgi namummaa fi siyaasaa irraa mulqamuudha.

Kunis naannoo bara 1769 hanga.... sirna mootummaa Wayyaaneetti, miidhaan ilmaan Oromoorraa hin dhaabbanne. Bara 1940 booda erga biyyi tun miseensa Liigii Addunyaa taatee ilmaan Oromoo akka loonii fi meeshaatti gurguramuun irraa dhaabbatuuyyuu, hanga ammaatti lafaa fi lafee isaarraa buqqa'uu hin dhiisne. Akka fakkeenyaatti, qonnaan bultootni Oromoo gosa Tuulamaa qomoon Gullallee fi Ada'aa, naannoo Finfinnee fi Finfinnee keessa jiraataa turan, bara mootii Minilikii fi H/Sillaasee achii buqqifamuun yeroo ammaa Arsii fi Baale keessa jiran ragaadha.

Yeroo ammaa kanas qonnaan bultoonni naannawa Finfinnee jiraatan maqaa misoomatiin lafa ofii dhabanii eegduu qe'ee buqqisaa fi harka buqqisaatti galaa jiru. Boqonnaa kana keessatti dhimmi xiyyeffannoo Oromoota, lafaa fi lafee isaanirraa buqqa'an kaasuuf miti. Oromoota daldala garbaatiin biyya isaanirraa gurguramuun biyya ambaa fi biyya ofiittis deebi'uun..., seenaa hojjatanii fi seenaan isaan yaadatu muraasa kaasufi.

Akka qorannoon tokko tokko ibsutti namootni lammii Oromoo ta'an kanneen akka Onesmoos Nasiib (Abbaa Gammachiis), Asteer Gannoo, Akkafeetee Daallee, Ooshuu Aagaa, Bilillee(Mahibuubaa), Bishoo Jaarsaa, Amaan Goondaa, Shaamoo Ayyaansoo fi Giloo kashaa kaasuun ni danda'ama. Isaan kunneen seenaan isaanii qorattoota garagaraan....., qoratamee muraasni kan ba'e, ta'uuyyuu isaan maqaan isaanii hin ka'in kumaatamaan lakka'amu. Boqonnaan kunis, seenaa tuullaa osoo hin taane....., hanga dhaga'ame irraa ka'ee, qorattootni Oromoo gara dirree kanaatti akka bobba'an ni kakaasa.

Abbaan Gammachiis abbaasaa Awaajii Irreessoo fi haadha isaa Roobee Gammadaa irraa, naannawa bara 1856 keessa Godina Iluu Abbaa Booraa Aanaa Hurrumuun ganda Oggee, iddoo addaa mandara Waragoo jedhamutti dhalate. Oggee Waragoo jechuun bakka Qomoon Hiikaa baay'inaan itti argamuudha.

Hiikaan obboleewwan lama, Boonsaa Awaajii fi Seenaa Awaajii jedhaman waliin kan dhalate yoo ta'u, isaan keessaa Hiikaan dirree irratti dhalate, qe'ee Oggee Waragoo, irratti akka aadaa ijoollee Iluu Abbaa Boor taphatee guddachuuf carraa hin arganne. Umrii isaa waggaa Afuriitti haadha isaa jalaa fudhatamee....., akka loonii gabaa, gabaatti darbaa gurgurame.

Akaakayyuun Hiikaa Ijoollee sadi qabu ture. Isaanis ; Karuusoo Irreessoo, Naggaadee Irreessoo fi Awaajii Irreessoo jedhamu. Obboleewwan Awaajii kunneen lamaan, lola Oromiyaa Dhihaa fi sabaa fi sablammoota jidduutti ta'aa ture irratti wareegaman. Lolli yeroo sanaa lola abbootiin aangoo xixiqqoon..., aangooof jecha wal lolaa turan kan bara 1769- 1855 tti tureedha. Abbaan Hiikaa Awaajiin ammoo, lola Iluu fi Hurrumuun irratti akka du'e Abaabayyuun Hiikaa, Abbaan Gadaa Shifarraa Gammadoo, DHRTVO, yeroo seenaa Hiikaa Awaajii qoratan himaniiru.

Akka Abaabayyuun Hiikaa kun ibsanitti, qomoon Hiikaa Waragoon Baddaa fi Gammoojjidhaa lafa qabu ture. Haaluma kanaan gaaf tokko, haati Hiikaa ijoollee ishee sadan kana fudhattee., Baddaadhaa gara Gammoojjii....., bosona addaan saaqxee keessa yeroo imaltu, saamtota yeroo sana bosona keessa taa'anii dhala namaa saamanii gurguratan harka buute. Namtichi tokko bosona keessaa bahee humnaan mucaa ishee Hiikaa harkatti qabate. Haati Hiikaa aadde Roobeen mucaa ishee kana itti gadhiisuu diddee....., wal'aansoo waliin qabde. Humnaan isirra caaltee yeroo jettu, namtichi Albee

harkaa qabuun “Mucaa kee si harkatti kuta; yookiin gad dhiisi” jennaanin haati dhiiraas, “Lakki ajjeesurra, mucaan koo dararamee lubbuun naaf yaa jiraatu,” jettee mucaashee itti gad dhiisuuf dirqamte. Namtichis fudhatee qajeale. Yeroo kana umriin Hiikaa tilmaamaan waggaa afur ni ta’a jedhamee himama.

Boodarra haati Hiikaa Aadde Roobeen mana namticha Hiikaa fudhatee iyyaafachuudhaan erga argatteen booda guyyaa tokkoof mucaashee waliin bultee, namtichi kun Hiikaa akka gurguratu fi akka guddifatu adda baafachuudhaaf gaafatte. Namtichis mucaan haga yeroo sanaatittuu boo’ee waan rakkiseef....., akka gurguratu itti hime. Isheenis hanga of duuba deebitee, loon qabdu gurguratee mucaashee deebitee akka bitattuu fi hanga sanatti akka eegu itti himtee ofirra garagaltee deebi’uun loon ishee gabaa geeffatte. Haa ta’u malee, haati ilmaa, ilma ishee deebitee bitachuufis hin milkoofne. Yeroo loon ishee gurguratee mucaa ishee bitachuuf gara mana namichaa imaltu, namichi ilmashee dabarsee jalaa gurguratee eege. Garaa haadhaa! Haala kanaan Hiikaan gurguramee haati fi ilmi yeroo jalqabaafi dhumaatiif osoo wal hin argin, umrii guutuuf gargar bahuuf dirqaman. Bara abbaa irree! Bara fafaa bara inni humna qabu ilmoo haadha jalaa humnaan qabee akka loonii gurguratu!

Hiikaan erga guyyaa san carraan isaa, akka looniitti gurguramuu ta’ee eegalee dabaree dabareen gatii mi’aatti gurguramaa jiraate. Haadha isaa Ji’a 9 garaatti baatee, deessee fi obboleewwan isaa lamaan handhuura tokko irraa waliin sooratan, harma tokko hodhanii guddatan irraa humnaan foxxoqfamee....., dhadhaa ibidda buute jalaa ta’e. Haati Hiikaas osoo ilmashee kanaaf halkanii guyyaa boossu, osoo yaaddoon dhoramtu, dhibeerra buutee dandamachuu dadhabdee boqotte. Yeroo ammaa kanatti Awwaalli ishee ganda dhaloota Hiikaa bakka waragoo jedhamutti kan argamu, “Awwaala Haadha Hiyyeessaa” jedhamee akka waamamu abaabayyuun Hiikaa

Abbaa Gadaa Shifarraan waraabbii seenaa Hiikaa Awaajii DHRTVO tti himaniiru:

Hiikaan maatii isaa irraa adda bahee si’a Saddeetiif akka looniitti gurgurame. Yeroo jalqabaaf saawwan afuriin gurgurame. Namtichi yeroo jalqabaaf isa bitate kunis, deebisee gatii caaluun namoota lamatti gurgurate. Namoonni Hiikaa bitatan, Hiikaa irratti waan wal lolaniif, inni tokko hiriya isaa ajjeesuun Amoolee dhibba lamatti gurgurate. Kanaan booda Mixuwaatti geeffamee....., gurgurame. Yeroo kana maqaan Hiikaa jedhamu hafee maqaan “Nasiib”jedhamu moggaafameef. Hiikni isaas “Bu’a qabeessa” jechuu dha. Namtichi bara 1870tti Nasiibiin, gatii guddaadhaan bitate, nama “Waarnar Muziingar” jedhamu, Qoonsilaa biyya Faransayi bara 1832-1875tti bulchaa tureedha.

Yeroonsaa yeroo Hiikaan itti bilisummaa...., argate ture. Namni Waarnar Musiingar jedhamu, kun Hiikaa gurguruu dhiisee akka baratuuf mana barumsaa Misiyoona biyya Siwidiin Mixuwaatti argamutti galchee akka baratu taasise. Hiikaanis dandeettii barumsaa waan qabuuf itti gaafatamaa mana barumsichaa kan ta’e, “Bengetii Piitar Lundaaliin” jedhamuun baay’ee jaalatama ture. Taabor (2008:617)

Yeroo sana Waarnar Muziingar (1832-1875) qoonsilaa Faransaayii akkasumas bulchaa naannoo Mixuwaa fi Galaana Diimaa turan. Isaanis Onesmoos bilisa godhanii Gareen Macaafa Qulqulluu Siwiidin (Sweden Evangelical Missio SEM) mana barumsaa ijoollee dhiiraa waan qabuu fi manni barumsichaas Luba Bengetii Piitar Lundaaliin (Rev. Benget Peter Lundal 1840-1850) durfamaa waan tureef Onesmoos Miister Dabliyu A’ilbongiif (W.Ahlbong SEM) galtummaan A.L.A bara 1870 kennamaniif; mana barumsaa sanatti barataa ta’an.

Haaluma kanaan osoo jiru waggaa tokko booddee, guyyaa Ayyaana Qillee bara 1871 tti akka cuuphamuuf murtaa’e. Haa ta’u malee,

lubichii isa cuuphu waan dhukkubsateef sagantichi jijjiiramee Bitootessa bara 31,1872 cuuphamee....., maqaan "Onesmoos" jedhamus moggaafameef. Hiikni isaas Afaan Giriikiitiin "Kan milkii qabu" jechuudha. Onesmoos waggaa shaniif barnoota bu'uura Wangeelaa sadarkaa tokkoffaa fi sadarkaa lammaffaa Mixuwaatti erga xumureen booda, Waxabajjii 25,1876 barnoota olaanaadhaa gara magaalaa gudditti Siwidiin Skootlomitti ergame.

Achittis ogummaa mukaa, barsiisummaa fi Wangeela lallabuutiin waggaa shaniif barachuudhaan bara 1881 Dippiloomaa isaa fudhachuun gara Mixuwaatti deebi'ee..., bakka Iminkulluu jedhamu kan Mixuwaarraa KM 10 fagaatu ture. Achittis Asteer Gannoo waliin walbaree hojii wangeelaa fi Afaan Siwiidin irraa gara Afaan Oromootti hiikuuf walii galan. Onesmoos nama dandeettii Ogbarruu Afaan Oromoo qabuudha.

Haaluma wal fakkaatuun gara Oromiyaa deemuun fedhii lammii isaa Wangeela, Ogbarruu fi barnoota ammayyaa barsiisuuf garaa Suudaniin Oromiyaa galuuf, bara 1881 Wallaggarraan yaalee ture. Garuu yeroon sun yeroo ummanni Oromoo fi mootiin Minilik wal lolaa turan waan ta'eef..., yaaliin Oromiyaa seenuu jalaa fashalaa'e. Mootummaan yeroo sanaa kan Suudanis eeyyama Suudan keessa jiraachuu waan dhoowwateef..., Bitootessa bara 1882 of duuba deebi'uuf dirqamani. Deemsa yeroo kanaatti namoota waliin karaa eegalan keessaa Luba Askel Aboostil Payeel Maan, Filiiphoos, haadhi manaa Onesmoos aadde Mihirat Hayilufaa turan. Ho'iinsa qilleensa Gammoojjii fi dadhabbii irraa kan ka'e, Lubni Filiiphoos karaatti lubbuun darbuu danda'eera. Isarraa kan hafe, warreen hafan walakkeessa bara 1882 Iminkulluu galaniiru. Achittis Onesmoos hojii isaa kan duraa kan ta'e, barsiisuutti deebi'e.

Onesmoosiif hawwiin Oromiyaa seenuu milkaa'uu baatullee osoo

abdi hin kutatin, Afaanii fi Ogbarruu Afaan Oromoo guddisuuf duubatti hin jenne. Haaluma kanaan bara 1882 keessa kitaaba xiqqaa "Onnee Namaa" 'The Hearts Of The Man' jedhu Afaan Giriikii irraa Afaan Oromootti hiikee jira. Akkasumas, kitaaba xiqqaa 'Luuteer kaatekizim' jedhamus hiikee ture. Osoo haaluma kanaan jiruu, bara 1884 ergamtoota, Yohaannis 4ffaa bira dhaquuf ka'an....., wajjin deeme. Sababni isaas misiyoonota afaan hiikuun gargaaruu fi Luba Luundihaal wajjin eeyyama Oromiyaa seenuu Mootii Minilikiif dhiyeessuuf ture. Garuu, bara 1885 misiyoonota wajjin yeroo Finfinnee gahu, mootichi Minilik Onesmoos gara naannoo isaa deemuu waan dhoorkeef, bara 1886 Iminkulluutti deebi'ee..., barsiisuu itti fufe. Onesmoos yaaliin Oromiyaa seenuu ammas waan jalaa fashalaa'eef Oromoota biyyaa bahan wajjiin kan duraanii caalaa Afaan Oromoo guddisuuf karoorfatee, Oromoota naannoo Asmaraa kan bakka "Galab" jedhamu, jiraachaa turan keessaa tumsa Asteer Gannootiin Ogbarruu Afaan Oromoo guddisuu, Wangeela lallabuu, barnoota ammayyaa barsiisuuf carraaqan. Qophii iyyaafataa, seenaa Onesmoos Nasiib (DHRTVO,2009).

Bifuma kanaan bara 1885tti gargaarsa Asteer Gannootiin Kuusaa jechaa, jechoota Oromoo 600 qabu qopheesse. Itti aansuun..., bara 1886 Faaruu Wangeelaa "Galata Waaqayyoo Guddaa" ykn 'Thanks to God' jedhamu hiikee maxxansiise. Bara 1893 Kakuu Haaraa Afaan Oromootti hiike. Bara 1894tti immoo tumsa Asteer Gannootiin Sheekkoo gabaabaa 79 qabu kan mata dureen isaa "Jalqaba Dubbisaa" jedhu kan fuula 174 qabu, qopheessee....., maxxansiise. Kanarraa kan ka'e, "Abbaa Ogbarruu Afaan Oromoo" jedhamuunis beekama. Hiikaan Ogummaa Kitaaba Qulqulluu gulaaluu, hiikuu fi maxxansiisuu gadi fageenyaan barachuuf gara Siwiizarlaandiitti imale. Kitaaba Afaan Oromoo maxxansiisurra darbee kan Afaan Oromoon qophaa'an..., illee akka uummata bira gahus taasiseera.

Haaluma kanaan bara 1904 Onesmoos gara Wallaggaatti deebi'ee..., Bulchaa Wallaggaa kan ta'e "Kumsaa Morodaatiin" simatame. Yeroo kana Onesmoos haala duraan hin baramneen Wangeela barsiisuu eegale. Kun immoo Abbootii amantaa Ortodoksiitiin akka jibbamu ta'ee mana hidhaa gale. Yeroo booda Onesmoos erga mana hidhaa bahees Afaan Oromootiin barsiisuu hin dhiisne. Bara 1905tti ammoo, mootiin Minilik Afaan Oromoon barsiisuu mitii, mana isaa keessattillee ijoollee isaa akka ittiin hin barsiisne dhoorke. Bara 1906 ttis himannaan Paatiraarkii amantaatiin itti baname. Haa ta'u malee, Minilik himannaa Qeesotaa jijjiiree..., akka inni Naqamteetti deebi'u taasise. Sana booda, mana barumsaa Naqamtee keessatti barsiisuun alatti hojii biroo akka hin hojjanne dhoorkame.

Bara 1916 Lij Iyyaasuun akka wangeela barsiisu, erga eeyyameefii, booda lij Iyyaasuun angoorraa buunanis..., Onesmoos wangeela lallabuu hin dhoorkamne. Hanga lubbuun jirutti Wangeela lallabuu fi Kitaaba Qulqulluu uummata biraan gahuu isaa itti fufe. Ta'us erga inni du'ee booda..., bara 1950 oota keessa bulchaa Wallaggaa kan ture, Mokonnin kitaabota isaa dabalatee kan maxxanfaman hunda walitti qabee gube. Taabor (2008:620) yoo ibsu, "Baroota 1950 oota keessa Daj/ Mokonnin Dastaa (bulchaa Wallaggaa kan turan) kitaabota maxxanfaman hunda hanga gubanitti hordoftoonni mana amantii protestaantii kan turan hundi kitaabota kanniin ni fayyadamu ture."

Onesmoos lammi isaaf hojii boonsaa hojjatee..., Waxabajjii 21, bara 1931 guyyaa Dilbataa magaalaa Naqamteetti, addunyaa kanarraa boqate. Haaluma kanaan siidaan Yaadannoo naannoo dhaloota isaa magaalaa Hurrumu keessatti dhaabbatee argama. Onesmoos hojiin inni Ogbarruu fi Afaan Oromoo guddisuuf daandii saaqee fi hojjate barabaraan.... dhaloota jiruu fi dhufu biratti ifee mul'ata.

16.1. Bilillee (Mahibuubaa)



Bililleen maqaa maatiin ishee moggaasefiidha. Bakki dhaloota ishee Oromiyaa lixaa Godina Jimmaa biyya mooti Shanan Gibee keessadha. Barri dhaloota ishee 1820 bara Oromiyaa sirni bulchiinsa Gadaa irraa mulqamee, sirna mootitiin buluu eegalte sana ture. Bara sana kan mootii jalatti "Tole" jedhee bulee fi gabbare, garbicha mootii ta'uun, dubartoonni hojii mana keessaa..., kan mana mootii yoo hojjatan, isaan dhiiraa immoo hojii manaan ala hojjachuun mootii jalatti buluun jiraatu ture.

Kan "Tole" jedhe haala kanaan yoo jiraatu, kan "Dide" jedhe ammoo akka loonitti gabaa geeffamee saawwaniin ykn meeshaadhaan jijjirrama ture.

Bilillees carraa lammataa kanatu qaqqabe. Gama biraatiin ammoo, mootolii xixxiqqoon aangoo qabachuuf wal lolaa turan. Inni moo'e, garee namoota moo'amanii booji'uun, kaan hojjachiifachaa, kaan immoo gabaa baasee gurgurata ture. Barri kun 1834-1836 tti ture. Lola kanarratti, abbaa fi obboleewwan Bilillee ajjeefamanii Bilillee fi obboleettiin ishee ammoo booji'aman. Bililleen yeroo kana ijoollee umrii 14 ykn 15 taati jedhama. Akkuma booji'amteen, gama Matammaatiin magaalaa Guddoo Suudan, Kaartuumitti gurguraaf geeffamte. Sana boodas, bara 1837 gara magaalaa guddoo Misir, Kaayiroo dabarfamtee..., gurguraaf dhiyaatte.

Yeroo kana ilma mootii Jaarman kan ta'e, Harman Paklar kan jedhamu, doowwiif gara biyya sanaa dhaqee Bilillee arge. Qalbii isaa waan boojiteef, bitatee garbummaa irraa bilisa taasisuun jaalallee ofii godhate. Maqaa Maahibuubaa jedhus..., moggaaseef. Hiikni isaas Afaan Arabaatiin "Jaalallee koo" jechuudha. Bililleen uumamumaan miidhagina addaa kan badhaafamte, caalaa ammoo dandeettiin ishee waa xiinxaluu fi yaaduu qabdu ogummaa ishee gonfachiiseera. Nama waan argite bira hin darbine, yaada fi komii qabdu hundaa kan kennitu turte. Kanaafis paaklar bakka deemu hundatti ishee of biraa osoo hin hambisin..., fuudhee deema ture. Kanarraas kan ka'e. "Nama dhugaa waliin ooleen; yeroo baay'ee booda, nama dhugaa ta'e" jedhee barreesse.

Bara 1840 Paaklar fi Mahibuubaan gara Awurooppaa erga deebi'anii..., booda Maahibuubaan dhukkuba Heexoo fi qorraan dhukkuba Sombaana qabamtee....., dhukkubsattee ciifte. Haa ta'u malee, Bililleen dargaggeessa Oromoo Ooshuu Agaatiin walbarte, Ooshuu Aagaa irraan..., ammoo hayyicha qorataa Afaan Oromoo fi Ogbarruu Oromoo ta'e, Tuucheekiin walbarte sirba aadaa Oromoo itti himuun akka barreeffamu taasiste. Tuucheekis barreessee dhaloota kanaan gahe. Dhumarratti garuu Bililleen dhukkuba Sombaa ishee qabaterraa dandamachuu dadhabdee..., naannoo bara 1840 iddoo "Muskaa" jedhamutti,....., addunyaa kanarraa boqatte. Yeroo kana ilma mootichaa haadha manaa isaa "Barliin" jirtu, gaaffachuu deeme ture. Dafee ofirra deebi'uus waan hin dandeenyeef, rakkina jiru ibseefii xalayaa fi Meetii maqaan "Maahibuubaa" jedhu irratti bocame ergeef. Yaa ta'u malee, yeroo xalayichii fi Meetiin magaala Muskaa gahu..., Bililleen boqottee jirti.

16.2. Bishoo Jaarsaa



Seenaa Bishoo Jaarsaa kan uummata addunyaatti ifa baase, Miidiyaa biyya Ingiliizii kan ta'e, BBC (Hagayya 2015 A.L.A.) yoo ta'u, "Shamara Itoophiyaa gabrummaan qabamtee, booda barsiistuu taate....." mata duree jedhuun akka dhiyeesse VOA n ibsee ture. Namni BBC f seenaa dubartii kanaa, gabaaste "Saandiraa Roowoolti Sheel" kan jedhamtu, Yuunivarsitii "Kep Town" tti qorannoo ittiin guutinsa Doktoreetiif (PHD) sagantaa waraqaa qorannoo isheerratti, seenaa ijoollee Oromoo daldala garbaatin gurguraman 64 irratti taasisteen ture.

Akka Saandiraan VOA f gabaastetti, bara 1888 ijoolleen Oromoo 204 ta'an maatii isaanii waliin utuu jiraachaa jiranuu..., humnaan butamanii fudhataman. Kuuwwan ammoo, bara kana hongee hamaan mudatee waan tureef, beelaan hanga dhuman, jechuun maatiin isaanii dabarsanii kennan. Kan hafan immoo boqqoolloo yookiin waan xixiqqaa argachuuf jecha maatiin isaanii dabarsanii akka kennan, qorattuun kun ni ibsiti. Ijoolleen kunneen, Galaana Diimaa geeffamanii turtii muraasa erga turanii, kaan gara biyya Jibuutii....., kaan gara biyya Eertiraa geeffaman.

Haaluma kanaan Bishoon fa'a Bidiruu Sadiin biyya Arabaa magaalaa Jiddaatti geeffamanii gurguramuuf yeroo deeman, biyyi Biriiteen naannoo sana too'achaa waan turteef, Doonin Biriiteen kan 'Komaandar Charlas E.Gissing'n hoogganamtu Fulbaana 16,1888 jidduu seentee ijoollee kanneen, garbummaan qabaman bilisa baaste. Kunis, yaalii Biriiteen daldala garbaa dhaabuuf gochaa turte keessaa isa tokko ture. Amantaan ijoollee kanaa harki caalu hordoftoota Amantaa Musliimaa yoo ta'u, kanneen hafan ammoo hordoftoota amantaa Waaqefannaa ture. Ijoollee kanneen keessa 11 kan ta'an hongee fi caama yeroo sanaa irraa hafuu waan hin dandeenyeef du'an. Kanneen hafan baraaruuf immoo, ijoollee Musliima ta'an Musliimotni naannoo Edan jiraatan akka guddifatan taasifame.

Ijoolleen amantaa Waqeffannaa hordofan, kanneen hafan ammoo, namni bakka bu'ee iddoo dhalootaa isaaniitti akka deebi'aniif..., mormuuf waan dhabameef, Biriteenonni Edaniin too'ataa waan turaniif, waajjira isaanii Edan Kaabaa 'She Otoman' keessa ture, qunnamuun Misiyoonotaan ijoollee kana keessaa hanga dandeessan, fudhaa, guddisaa jennaanin, isaanis ijoollee 64 qofa akka fudhatan ibsan.

Haalli kunis du'aatii ijoollee kanaa hambisuu hin dandeenye. Kanaaf jecha, Edan keessa waggaa tokko erga turan booda, gara biraatti geessuuf murteessan. Kanumaanis, waldaa Kiristaanaa 'Free Church of Sckotiland' jedhamu qunnaman. Waldaan kunis, dhaabbata '~Love Del' kan Afrikaa Kibbaatti argamu, magaala 'Kep Town' irraa gama Bahaatti argamutti, erguun ijoolleen kunneen ardii Afrikaa keessa akka jiraatan....., gaafataman. Haaluma kanaan Hagayya bara 1890 gara Dhaabbata "Love Del" tti geeffaman. Kun kan godhameef ijoolleen kunneen yoo guddatan gara bakka dhalootaa isaaniitti akka deebi'aniif yaadameeti. Yeroo Edan keessa jiran waggaa tokko kan wajjin ture nama lammii Iskootilaand kan ta'e, Maatiwoos Look Hil nama jedhamu akka tureefi hanga dhumaattis mijateefi wajjin deemuu akka hin dandeenye Saandiraan ni ibsiti.

Achittis simannaan taasifameefi eegaman. Ijoolleen kunneen yeroo kana umriin isaanii 6-16 kan ture yoo ta'u, Bishoo Jaarsaa waggaa 12 akka turte himama. Haaluma kanaan ijoolleen kunneen biyya Afrikaa Kibbaatti barachuu eegalan. Garuu hanga dhumaatti baratte barsiistuu ta'uu kan dandeesse, Bishoo Jaarsaa fi dubree takka qofa akka ta'an, Dr Saandiraan BBC fi VOA sagantaa Afaan Oromootiif ibsaniiru. Kanneen biroo sababa siyaasa biyya Afrikaa Kibbaatti lammiiilee gurraacharra ga'uun barachuu akka hin dandeenyetu ibsama. Bishoon ciminaan barachuun barsiistuu ta'uun maatii horachuun Afrikaa Kibbaa keessatti qabsaa'aa mirga dhala namaa kan

ta'ee, fi Niilsan Mandeellaa wajjin waggaa 12 hidhamuun sirna Appaartayidii kan balleesse..., Dr Neevil Aleksaandar jedhamuuf Akkoo taateerti. Akka Dr. Aleksaandar jedhanitti, Akkoon koo kanarra kan geesse, kayyoo isheef nama cimtuu waan taateefi. Bishoo Jaarsaa haadha barumsaa jedhamuun kan beekamtu yoo ta'u, maqaan magaala tokkoos maqaa isheen akka mogga'u ta'ee jira. Walumaagalatti kan seenaan ishee mul'ate Bishoo Jaarsaa yaa ta'u malee, kanneen biroo jiraachuu akka hin oolle Dr. Saandiraan VOA sagantaa Afaan Oromoof ibsaniiru. Barreessichis seenaa Bishoo Jaarsaa muraasa kana VOA wabii godhachuun asirra kan kaa'eef, hayyoota Oromoo gara dirree qorannoo kanaatti bobba'aniif haamilee ta'uufi.

16.3. Asteer Gannoo



Asteer Gannoo dubartii beektuu Afrikaa bara 1872-1964 jiraattedha. Dubartii cimtuu seenaa Ogbarruu Oromoo keessatti bakka guddaa qabduu fi haadha Ogbarruu Oromoo jedhamuun, osoo yaamamtee kan itti hin guddanne dubartii Oromoo daldala garbaatiin Jimmaa mootii Limmuu Innaariyaatiin qabamtee gurguramte. Asteer Gannoo Onesmoos Nasiib waliin macaafa Qulqulluu bara 1899 maxxanfames hiikte. Walaloowwanii fi Faaruu adda addaa qopheessitee kan maxxansite yoo ta'u, isaan keessaa Hiibboo Afaan Oromoo 500 ta'an, mammaaksa, oduu durii fi faaruu walitti qabdee, bara 1894 maxxansiiste.

17. Artist Birraatuu Lammaa (1917-2008)



***“Yaa Baallee Sarariitii
Maal yaadaa bulaniitii
Namni yartuun nama miitii”***

Artist Birraatuu Lammaa abbaa isaa obbo Lammaa Alii fi haadha isaa aadde Tolashee Dooyyoo irraa bara 1917 godina Horroo Guduruu Wal lagga, aanaa Jimmaa Raaree, ganda Tattaafataa Tulluu Maraa, araddaa Godol iddoo jedhamtutti dhalate. Abbaasaaf ilma hangafaa yoo ta’u, obboleessa dhiiraa tokkoo fi obboleettii tokko qofa qabas ture.

Bara 1927 obboleettii haadhasaa aadde Hindhibnee Dooyyoo biratti imaluun barnoota qeesii hānga kutaa 3ffaatti barate. Umrii daa’imummaa isaatti sagaleen kiilolee inni dhageessisu....., isa qabsoon alatti eenyummaa isaa boodaa sirriitti akeeka. Sochiin inni ijoollummaatti taasisu nama bakka guddaa ga’u ta’uusaa fi mul’ata gaarii qabu ta’uusaa agarsiisa jedhu maanguddoonni waa’ee isaa himan.

Bara jireenya isaa keessatti qabsoon inni gaggeessaa ture qe’ee tokkotti madaqsee isa hin teessisne. Sababa kanaanis iddoo garagaraatti haadha warraa 5 fuudhuun ilmaan dhiiraa 8 fi dubara 11 argateera. Ilmaan isaa keessaa Darajjee Birraatuu kan jedhamu....., bara mootummaa Dargii, loltuu Dargii ta’uun adda waraanaa deemee hanga har’aatti osoo hin deebi’in hafe. Lubbuun jiraachuu fi du’uun isaallee hin beekamne. Maatiinsaas hanga har’aa ijaan ala eegaa jiraatu. Mucaan dubaraa tokkos dhalattee waggaa 10 tti gara Finfinnee imaluun achi buuteen ishee dhabamuu obboleewwan ishee ni dubbatu.

Birraatuu Lammaa umriin isaa naannoo waggaa kudhanii ennaa ta’u, bara 1930 adaadaa isaa jalaa badee gara magaalaa Amboo imaluun mana namaatti qacaramee hojjachaa ture. Waggaa lama booda umriisaa waggaa 15 tti bara 1932 Amboodhaa gara Finfinnee imaluun mana leenjisa humna waraanaa Hayilasillaaseetti galee ergamuufii jalqabe. Yeroo kanatti fedhii leenjii waraanaa fudhachuu

qabaachuusaa leenjisa kanaaf yaada dhiyeessee ture. Leenjischis umriin kee hin geenye jechuun hanga umrii waggaa 18 guututti waggaa 3 f manuma isaa hojjachaa akka jiraatu taasise.

Umriinsaa waggaa 18 gaafa guutu, leenjisa san eyyamsiisee mana leenjii gale. Leenjii akka xumureenis iddoolee garagaraatti ergamuun waraana keessatti hirmaate. Bara 1935 bara Waldaan Maccaa fi Tuulamaa hundeeffame miseensa mana Tiyaatiraa Hagar Fiqir ture. Miseensa Hawwisoo Hager Fiqir osoo hin ta'in dura, miseensa gartuu loltuu Waardiya kabajjaa ture. Bara 1940-45 ogummaa yaalii Eertiraa Asmaraa Qaanyaa hospitaalatti baratee 'Ethiopian Congo Birazavil' tti gargaarsaf ergamuun, nageenya eegsisee badhaasa "Lishaanii" argatee jira. Galaana daakuu hin beekne daakee Galaana diimaa ce'uun nageenya kabachiise.

Artist Birraatuu Lammaan hojii loltummaa isaa keessatti dandeettii adda addaa, hojiiwwan ispoortii kanneen akka figichaa, silliqaa darbachuu, bishaan daakuu fi kkf qaba ture. Ispoortii keessatti yeroo hedduu 1ffaa bahaa ture. Adda durummaan inni qabus itti hinaaffamee qoricha sammuu namaa maraachu diinan nyaachifamee yaalii guddaan fayye. Loltummaa keessatti hirmaachuun cinaattis ogeessa yaalaa ta'uun namoota madaa'an yaalaa ture.

Bara nama nyaataa, bara Oromootni Afaan Oromoo dhageessisan itti waadaman....., bara gaaddidduu ofii dammaqaa jiraatan, bara namni maqaa Oromoo baafate jiraachuu hin dandeenye san keessa hojii aartii keessatti gahee olaanaa taphateera. Bara afaan ofiin dubbachuun, aadaa ofiin of ibsuun, eenyummaa saba ofii calaqqisiisuun akka dabaatti ilaalamee, itti reebamaa, itti fannifamaa, itti du'aa turan bara mootii bineensa dhiiga namaa xuuxu bara Hayilasillaasee (Tafarii) aartiin Oromoo hin yaadamne sana keessa aartii Oromoof gumaachaa ture. Hammeenya Hayilasillaasee kana, Leelisaa (2018:173-74) yoo ibsu,

Bara 1941 gargaarsa Ingiliiziin Hayila Sillaaseen aangootti deebi'e. Innis akkuma deebi'een Oromoo irratti duula Oromoo fi Oromummaa dhabamsiisuu itti fufe. Afaan Oromoo hojii mootummaa keessatti Afaan Xaaliyaaniitti aanee hojjachaa kan ture dhoorkee, barnoota warri Xaaliyaanii Afaan Oromoon kennaa turanis dhoorkee, Raadiyoo Xaaliyaaniin Jimmaa dhaabde cufsiisee, meeshaa isaa immoo Ingiliiziin fudhatte. Hagayya bara 1952 Afaan hojii, Afaan amantii fi hojii biroos Afaan mootummaa Afaan Amaaraa malee akka dhimma hin baane jedhee ifatti seera labse. Oromummaanis akka badu, seera labsee, namni maqaa Oromootiin waamamuu fi Afaan Oromoo dubbatu akka hin baranne, hojii akka hin qacaramne jedhees seera isaa labse. Yoo barbaadan ammoo maqaa gara Afaan Amaaraatti akka jijjiirrattan jedhee Oromoo balleessuuf daran hojjachaa ture. Innis akeekuma minilikii fi mootota habashaa duraa galmaan ga'uuf akka kanaan Oromoon akka hin baranne, akka duubatti hafuu fi warri kaan ammoo maqaa ofii jijjiirratanii akka Amaaraa ofiin jechuun dhokatanii baratan, kaan ammoo barnoota malee hafanii, hojii fi jiruu ammayyoomee waliin akka wal hin arganneef godhaniiru.

Yaa baallee sarariitii
Maal yaadaa bulaniitii
Namni yartuun nama miitii
Yaa baallee sarariitii
Qottan qotaa malee yaa baallee sarariitii
Lafa hin kolaasinaa >>
Ijoollee Oromoo >>
Loltan lolaa malee >>
Nama hin sodaatinaa >>
Maal yaadaa bulaniitii
Namni yartuun nama miitii.

Ooyyoosee yaa	shoolee noor (3)
Maal yaa dammakoo	<u>dammakoo</u> (4)
Damma faana taree	yaa dammakoo
Na yaaddeef na ga'ii	>>
Buddeena abbaa warraa	>>
Gorroorra hin kaa'inii	>>
Solola'eet bu'aa	>>
Na dura hin taa'inii	>>
Gojoma'een du'aa	>>

* Yaa dammakoo moo (4)

Sa'a koo boogichakoo (3)

Sa'a Arfaasaa dhalatee moo dhalatee (2)

Damma koo soogidda koo (3)

Gargar baasan dhalatee hoo dhalatee (3)

Hurru gibee yayyoosaa

Hurrubi mee yayyoosaa

Teepha kichuu yayyoosaa

Mee lachittuu yayyoosaa

Ani ofii koonan sirbaa

Hojii hin beeku waan ormaa

Ash kummee dhooqa mormaa (2)

Ash....kum...ash...kum...

Jechuun taphachaa ture hundi ogummaa aartii siyaasaa keessatti ija xiinxalaan, aartiin eeboo yookiin waraana dhokataadha kan jedhamu san dhugoomsee jira. Har'arra ijjannee yoo madaallu daran ammayyummaa ta'uu nutti agarsiisa sirbi aartist Birraatuun kun. Bara Afaan Oromoo sirbuu miti dubbachuun itti du'aa turanitti.

Hayila sillaaseen gaafa sirba "Yaa baallee sarariitii" jedhu dhagahu, "Sirbi kun siyaasa fi arrabsoodha" jechuun artist Birraatuun Cancaalaan gufuutti hidhee reebisaa erga tureen booda galaanatti darbachiise. Ta'us, Birraatuun dandeettii fi jabina addaa waan qabuuf gufuutti hidhamee akkuma jirutti, gottotuun qarqara galaanaatti siqee halkan lamaa fi guyyaa lama bishaan hir'atee jiru keessa oolee

bule. Boodarra Hayilasillaaseen loltoota isaa itti erguudhaan akka inni lubbuun jiru erga hubatee booda cimina isaa ajaa'ibsiifatee, gufuu irraa hiikuun gad dhiise. Bara 1962 hojiirraas ari'e.

Hayilasillaaseen yeroo adda addaatti artist Birraatuun Afaan Oromoon hin sirbin jedhee akeekkachiisa itti kennuurra darbee hidhaa fi reebichaanis dararaa ture. Ati Afaan Oromoo kanaan sirbitee, Afaan kana ol qabuuf jetta ilaalcha jedhuun Xalayaa "Afaan kanaan hin sirbin" jedhus barreesseefii ture. Artist Birraatuun bara 1962-1966 tti ogummaa fayyaa ittiin leenji'een of jiraachisaa ture.

Barri taraa, dhufaa, taraa bara 1966 Hayilasillaaseen Dargiif teessoo mootummaa gad dhiise. Mootummaan Dargiis bara 1967 akkuma aangootti olba'een tooftaa jijjiirratee Oromoota fixuu eegale. Gootota hedduu fannisiisee jira. Maanguddoota hedduu iddoo tokkotti 'rashaneera'. Dargaggoota danuu biyyaa baasee, kaan galaana nyaachisee jira. Leelisaa (2018:177) yoo ibsu,

Mootummaan Dargiis akkuma sirna mootii dhabamsiiseen tooftaa isaa jijjiirratee Oromoo adamsuutti gadi taa'uun, sirna mootii gara Sooshaalizimiitti jijjiiree sirna abbaa lafaa fi mootii dhabamsiise. Oromoon waan hafuura galfate se'e garuu. Inni malaa fi tooftaa bulchiinsaatu jijjiirrame malee, akeekni mootota habashaa ummata biyyattii dabalatee Oromoo rukutuufii saamuudha.

Bara Dargiis biyya tokko, alaabaa tokko, qooqa tokko, aadaa tokkoo fi saba tokko jechuun ittuma fufee akka mootota duraa Oromoo adda baasee rukutuu baatus, aadaa Oromoo, Afaan Oromoo, seenaa, biyyaa fi Oromoo hedduu jumlaan fixeera. Aadaa fi qooqni Oromoo akka badu godheera.

Seenaa fi amantii Oromoo balleessuutti fufsiiseera, qabeenya Oromoo isa dura bifa mootii fi abbaa lafaan gabbara Irboo saamamaa ture bifa jijjiiree Dargiin ammoo

hojii gamtaa jechuun ummata Oromoo lafa isaa irraa buqqisuu fi qabeenya isaa saamaa kootaa fi gibirii lafaa jechuun ummata Oromoo bifa adda addaan, saamaa turee, gootota akka Taaddasaa Birruufaa ajjeeseera. Kana malees, Oromoo hedduus rarraasee lubbuun taphatee ajjeeseera. Maanguddoota Oromoo hedduus ajjeesaa fi hidhaa ture. Bara mootummaa Dargii dargaggoonni Oromoo waraana isaan hin ilaallanne kan Sumaalee, Eertiraa fi kan biyya keessaa irratti Oromoon miliyoonan lakkaawaman lafa irraa duguugamaniiru. Waraana kana dirqamaan barattoota mana barnootatii, kan hin baranne ammoo haadha tokko jalaa haga nama shanii waraana kana irratti akka fixaa ture ragaa bara dhiyooti. Dargiin diinaa fi gara jabeessa kan aangoo isaaf malee dhimma dhala namaa hin qabneedha. Guyyaa tokkotti jeequmsa diimaa (qayyishibbir) jechuun bakka tokkotti walitti qabee warra isa morman kumaan lakkaawaman jumlaan fixaa kan tureedha.

Bara mootummaa Dargii Afaan Oromoo dubbachuun gonkumaa hin danda'amu. Qote bulaan baadiyaatti akka Afaan Amaaraa dubbatu waajjira gandaa irraa eegalee waajjirri mootummaa kamuu nama Afaan Amaaraa hin beekne hin keessummeessu. Akka namni Afaan Oromoo dhiisee, Afaan Amaaraa dirqamaan dubbatu, naannoo isaaniitti, barnoota bu'uuraa jechuun qote bulaa Oromoo maanguddoo waggaa 70 illee Afaan Amaaraa akka barataniid dubbatan dirqamaan rakkisaa fi hiraarsaa turan.

Haala kanaan Dargiinis mirga namummaa mulqee, jireenya Oromootaa quucarsuu, sammuu isaanii rukutuu, diinagdeen Oromootaa akka hin guddanne....., afaan isaanii akka hin utubamne shiraa fi daba hammaataa xaxaa ture.

Artist Birraatuu Lammaas bara mootummaa Dargii kanatti miidhaa hedduutu irra gahe. Hidhamuu, reebamuu fi dararaan itti wal fure. Sirni Dargii immoo Afaan Oromoo ittiin sirbuu mitii, qote bulaayyuu

Afaan Oromoo akka hin dubbanne dhoorka. Artist Birraatuun immoo adda duree diina Dargii dhimma Afaan Oromoorratti itti ta'e. Haaluma akkanaa kana keessa weellistootni Oromoo hedduun isaanii lubbuu ofii aarsaa gochaa....., ofiisaanii ibidda gubaa qaqqammachaa aadaa fi Afaan Oromoo addunyaatti labsaa turan.

Artist Birraatuu Lammaa sababuma quuqamaa fi dhiittaa ilmaan Oromoo weelluun addunyaatti labsaa, afaan ofii guddisuuf tattaafateef jecha yeroo garagaraatti, iddoo adda addaatti hidhameera.

- ✦ Mana hidhaa Naqamteetti waggaa sadiif
- ✦ Mana hidhaa Shaambuutti waggaa lamaaf
- ✦ Mana hidhaa Fincaa'aa Horrootti Baatii Ja'aaf
- ✦ Mana hidhaa aanaa Jimmaa Raareetti
- ✦ Mana hidhaa gabateetti baatii sadiif hidhamuun dararaa cimaa argeera.

Qabsaa'aan kun yeroo adda addaatti qabsoo gochuun daandii bilisummaa ijaaruuf imalli inni imalaa ture; turee bubbulus galaa dhalootaa ta'uu danda'eera.

Bara 1967-1970 tti iccitiin dhaaba Mi'eesson kan Koonyaa Horroo Guduruu, Immiruu Ibsaan hoogganamu jalatti ijaaramuun qabsaa'aa ture. Bara 1970 hoogganaan Mi'eesson Dr. Hayilee Fidaa fi hoogganaan Koonyaa Horroo Guduruu waraana Dargiitiin eega du'an booda gara naannoo dhaloota isaanitti deebi'uun, ogummaa isaatiin hojjatee jiraachaa ture.

Eega bara hedduu turee booda bulchiinsa Koonyaa Horroo Guduruu kan ta'an, obbo Bantii Ittanaa fi bulchiinsa Jimmaa Raaree kan ta'e..... obbo Guddataa Raggaasaatiin barbaadamee bara 1975-1977 tti Hawwisoo Koonyaa Horroo Guduruu akka ijaaru ta'e. Hoogganaa hawwisichaa ta'ee muudame. Haa ta'u malee sababoota garagaraan isas addaan kutee gara naannoo jireenya isaatti deebi'e.

Bara 1983 bulchiinsi Dargii akka kufeen jaarmiyaan Adda Bilisummaa

Oromoo (ABO) n isa barbaaduun bara 1984 waktii Birraa irraa kaasee hanga Waxabajjii 10, 1984 tti waajjira olaanaa Adda Bilisummaa Oromoo Finfinnee ture. Erga wayyaaneen waraana/lola/ ABO irratti bantee booda, baatii Waxabajjii 1984 irraa eegalee hanga 1986 tti garee ijaarsa miseensa dhaaba ABO ta'uun, koonyaa Horroo Guduruu fi Dhiha Shawaa keessatti hojjachaa ture.

Artist Birraatuu Lammaan tokkummaa fi ijaarsa ilmaan Oromoo irratti gahee olaanaa kan taphate yoo ta'u, qabsaa'aa seenaan hin daganneedha. Bara 1986 dhuma irraa kaasee hanga 1992 tti gara Finfinnee deemuun "Baandii Gadaa"....., baandii qabsaa'otaa kan ta'e keessatti ijaaramee hojjachaa ture.

Bara 1992 gara biyyaatti deebi'ee waggoota muraasaf jireenya isaa nagaan osoo gaggeeffachaa jiru, miseensa ABO ti jedhamuun qabamee bara 1996-1999 tti waggoottan sadiif mana hidhaa Shaambuu fi Naqamtee ture. Ta'us, kutannoo fi ijjannoo isaa osoo duubatti hin deebisin bara 2000 akkuma mana hidhaatii ba'een gara Finfinnee imalee iccitiidhaan qabsoosaa gaggeessuu itti fufe.

Qabsaa'aa fi artistii gootni Oromoo Birraatuu Lammaa bara jireenya isaa keessatti, cunqursaa ilmaan Oromoorra gahaa ture balaaleffachaa....., diina irratti duulaa, osoo boqonnaa hin argatin biyyootaa, biyyootatti naanna'ee erga ibidda bilisummaa qabsiisaa turee booda, uumamni umrii dullumaa fi dadhabbii itti fidaa dhuftee bara 2003 gara iddoo dhaloota isaa godina Horroo Guduruu Wallaggaatti deebi'e. Goota diina barbadeessu kamuu ta'u, uumama mormuun hin danda'amu waan ta'eef....., uumamaaf harka kennuu eegale. Seeruma uumaatu akkasi.

Gara dachee iddoo dhaloota isaanitti erga deebi'anii umriidhuma maanguddummaa irra jiran kanattis wayyaaneedhaan shirri adda addaa irratti xaxamaa ture. Bara pirezidaantiin mootummaa

naannoo Oromiyaa Muktaar Kadiir ture, 2006 erga Alamaayyoon Atomsaa boqoteen booda gargaarsaf dhaabbatni OBS Abbaa 'Arbanyootaa' jedhee yeroo waamutti obbo Birraatuu Lammaa yeroo dhaqu, qaama mootummaa naannoo Oromiyaan, inni "ABO" dha jedhamuun deeggarsa san akka dhoorkatamu ta'e.

Haa ta'u malee, "Qabsoon ani ummata Oromoof taasise qarshiidhan hin lakkaawwamu," jechuudhaan walaloo **"Dibibbiseen Gilindisee Deesse"** jedhuun karaa aartii quuqama isaa yoo ibsatu, qabamuun mana hidhaa aanaa Raaree Waayyuutti hidhame.

Artist Birraatuu Lammaa adda waraanaattis hanga hafuurri lubbuu isaa yeroo dhumaaf foon isaa irraa adda baatutti, qabsoo siyaasaa fi mirga Oromoof falmuu cinaatti ogummaa qabaniin, beelladootaf talaalliis kennaa turaniiru.

Bara jireenya isaa keessatti, qabsoo hadhaawaa mootolii sirna jal'aa waliin taasissee gidirfamaa tureera. Sababa isaafis, ijoolleen isaa yeroo baay'ee harka diinaan sakaalamaa, reebamaa, hidhamaa, gidiraa hedduu arganii jiru. Mucayyoon hangafaa Asteer Birraatuu kan jedhamtu keessumattuu yeroo adda addaatti hidhaa fi reebichaan taa'ii fi ka'ii wallaalte. Deessee dugda haadhummaan jabeeffadha osoo hin jenne, daa'ima ishee waliin mana hidhaatti darbamtee reebamaa turte. Ati qindeessituu fi miseensa ABO ti. Sagaleen jedhus galgalaa ganama gurrarraa lallabamaa irree diinan dhuunfatamte. Ilmaan Birraatuu dararaa dhamdhaman kan biroo Warraaqsa Birraatuu fi Darajjee Birraatuuti.

Artist Birraatuu Lammaan seenaa hedduu fi unata galaanaa dhaloota Oromoof lafa kaa'ee ofiisaaf gaafa guyyaa 13, Hagayya, 2008 addunyaa tanatti nagaa dhaammate. Bataskaana Mikaa'ela Gooban, godina Horroo Guduruu, aanaa Jimmaa Raaree, ganda 01 tti argamutti sirni awwaalcha isaa raawwate.

18. Bariisoo Dukkallee (1942-1977)



"Tooftaa loltummaa beekuun Oromoo ni barbaachisa"

Konkolaataan sun.... obboroo yeroo sinbirri wuc.....wuc.... jettu Shaashee irraa, kaatee miilashee gara kibba Oromiyaa qajeelfatte. Dachee ummattoota Kibbaa muraasa keessas akka garmaamtu qalbiin

ishee beeka ture. Qaamni ishee guutuun iccitii bareedaa bifa diimaa, magariisa fi diimaa tokkoon faayamtee jirti. Sirbi Caalaa Bultumee "Ka'i qeerroo" jedhuufi Ittiiqaa Tafarii "Falmattoota haqaa harkaa fi miila hiitee," jedhu konkolaataa san keessaa al tokko gidduu isaanitti calleensi hin buune.

Magaalaa Hawaasaa darbanii gaaf gara Diillaa, Bulee Horaa qajeelan bosonni bitaa fi mirgaa karaa lamaanii mul'atu....., avokaadoo, muuzii, maangoo, zayitunaa fi anaanaasii fa'iin dacheen dachee jaannataa fakkaattee jirti. Ijoollee xixinnoon ammoo fuduraalee bilchaate kanneen baatanii imaltoota nyaachisuuf konkolaataa jala asii fi achi miilan figu. Dachee dureettii magariisummaan faayamtee fi beela'aa nyaachisuuf tattaafattuuf ragaa ba'u.

Manneen ummattoota Kibbaa fi ummata Oromoo Gujii Lixaa baay'eetu..... karaa konkolaataa irraa mul'ata. Daa'imnii fi jaartii, jaarsillee sirba konkolaataa keessaa banbanu yoo dhagahan hunduu karaarratti bahanii dhiichisu. Harka ol qabanii faarsu. Ija mil'uu qalbii yaadan baddeen konkolaataa ilaalanii qalbii nama raasu. Warra jaalalaa ummata Gujii, osoo qalbii fi ijji koo isaan faana dhiigduun Magaalaa Bulee Horaa gahe.

Haalli isaan jaalala lammiiif qaban itti ibsatan keessa isaanitti yoo dubbiste, fuuldura namaatii hin badu. Imimmaan nama calalsiisu. Garaa nama booressanii yaadan yabala calleensaa nama yaabsisu. Warra jaalalaa Gujii.

Bulee Horaatti konkolaataa sirba Caalaa Bultumee fi Ittiiqaa Tafariin qalbii ummataa booresse sana biraa hafuufan dirqame. Konkolaatichi garuu imala isaa hin dhaabne. Faanni miilaa koo gara Gujii....., Booranaa imaluuf manaa baate....., Bulee Horaatti qubatte. "Warri kun akkam jirtu? Nagaa keessanii? Gujii marri bultee, oolteen, nagaa?

Mee dhangaa maal naaf laattu?" jennaan, "Yooyyaa, seeni buliin nagaa? Fayyoo? Gootota qannu keessaa tokko Bariisoo Dukkalleeti" naan jedhan.

Bariisoo Dukkallee abbaasaa obbo Dukkallee Ruufuu fi haadha isaa aadde Diiduu Huuffataa irraa godina Diillaa, aanaa yirgaa caffee, ganda Duumarsoo, araddaa Shaallituutti bara 1942 dhalate. Lafa tana irratti yeroo baay'ee ummata Oromoo Gujii fi Geediyoon walitti bu'aa turaniiru. Oromootatu irra jiraachaa ture.

Hanga guyyaa kitaabni kun barreeffamuuttilllee ummatni kun lamaan lafa tanarratti wal lolaa turan. Qorattotnis dubbii kana adda baasuf imala qorannoo isaanii itti fufanii jiru.

Bariisoo Dukkallee obboleewwan 12 waliin dhalate. Gosa obbituu, Hadiyyaa saqoodha. Bara jireenya isaa keessatti haadha warraa Adalaash Maangashaa jedhamtu waliin bultii ijaarratanii ilmaan 6 dhiira 4 fi dubra 2 horatanii jiru. Bariisoon umrii daa'imummaa isaatti loon maatiisaa tiksaa, taphoota ispoortii garagaraa taphachaa guddate. Tapha kubbaa fa'i jaallachuurra darbee hanga lubbuusaa dabarsuufitti ga'a. Lubbuu kennuufinis hin oolle, jedha obboleessi Bariisoo obbo Birhaanuu Dukkallee.

Bara 1954 Mana Barumsaa Huumarsoo sad.1ffaa galuun kutaa 1-6 tti barate. Barnoota isaa baay'ee kan jaallatuu fi cimaa kan tureedha. Barnoota ammayyaa /idilee/ kana jaallachuu irraa kan ka'e, obboleewwan isaa barnoota qeesii galanis keessaa yaasee..... gara barnoota idileetti galche.

Kutaa 7-12 tti ammoo Walaayittaa Sooddootti barachuuf dirqame. Kunis qindeessaan M/B Huumarsoo sad 1ffaa Bariisoon bira taa'ee baratu, obbo Masrashaa Tagany hojiidhaan gara Walaayittaa Sooddootti waan jijjiirrameef innis waliin jijjiirramuun dirqama itti ta'e.

Bara kana 1966 yeroo sirni nama nyaataa mootii H/Sillaasee kufaatirra jiru waan ta'eef, Oromootni marri daangaa hanga daangaatti qabsaa'anii H/Sillaasee aangoo irraa dhabamsiisuuf sochiirra jiru ture. Keessattuu sochiin barattoota Oromoo yeroo sanaa 'student revolution' jedhamuun gaggeeffame sirnich'a dhabamsiisuu irratti adda durummaa qaba. Bariisoo Dukkallee barnootasaa kutaa 12ffaa bara kana xumure.

Kanumaan mootummaan H/Sillaasee Guraandhala 1966 kufee Dargiin aangootti akka ol ba'een "Lafti qote bultootaaf" kan jedhu Fulbaana 2, 1967 labse. Gochaan kun galma ga'iinsi isaa akka mirkanaa'uuf barattoota kutaa 12 xumuran iddoo adda addaatti qindeessee qote bulaa muraasa keessa makuun maqaa "እድገት በሀብረት የአፋት እና የስራ ዘመን" kana jechuun, "Guddinni gamtaan, duula beekumsaa fi hojii" jechuun duulchise. Bulchiinsi isaa akka hundee gad jabeeffatuufis, yeroodhaaf biyyattii humna waraanaatiin bulchaa dargaggoota kutaa 12 xumuran gurmessee dabballoota qabsoo akka ta'an taasise. Waajjira Aadaa fi Turizimii godina Gujii Lixaa (2009:16)

Guraandhala 21, 1966 tti mootummaan H/Sillaasee kufee, akkuma Dargiin mootummaa humna waraanaatiin yeroodhaaf bulchu (ጊዜያዊ ወታደራዊ መንግስት) dhaabeen, Fulbaana 2, 1967 tti labsiin "Lafti qonnaan bulaaf" jedhu baase. Yeroo kana abbootii lafaa kan turan naafxanyootni baadiyaa gara magaalatti galan. Baruma kana labsiin guddinni gamtaan (እድገት በሀብረት የአፋት እና የስራ ዘመን) yoo bahu, ummatni Gujii fi Burjii kan Bulee Horaa, waldaa tokko jalatti gurmaa'anii jiraachuu jalqaban.

Bariisoo Dukkallees carraan kun qunnamuun kutaa 12 akka xumureen labsii "Guddinni gamtaan, duula beekumsaa fi hojii" jedhu kanaan Dargiin duulchifame. Boorana keessatti lafa Taltallee jedhamtutti Dabballee qabsoo ta'uun leenjii fudhate.

Dargiin gochaa kana kan taasiseef sirna H/Sillaasee dabaa san hunderra buqqisuuf ture. Akka hafteensaa isaan hin mormineef.

Sirni H/Sillaasee ummata Oromoo addaan qoqqoodee bulchaa....., weeraraa, abbootii lafaa jedhee tokko dureessa taasisee, tokko hiyyeessa taasisee, hojii uumaa keessa galee biyya saamee fakkaattoosaa saamsisaa ture. Sirnicha keessatti warri abbootii lafaa hin taane....., dhiirotni abbootii lafaaf lafa qotu. Hojiilee dhiirri hojjatu hunda hojjatuuf. Dubartootni ammoo daakuu daakaa, hojii alwaada keessaa hunda hojjatu. Loonis ni tiksuu. Ijoolleen abbootii lafaa fi mootichaa ammoo ni baratu. Kanarrattuu ammoo abbootii lafaa kanneen hoolaa coomaa (tumaaleessa) fa'i gabbaru ture.

Dargiin sirna akkasii kana (sirna H/Sillaasee) dhabamsiisuuf sochii taasisee yaa dhabamsiisuyyu malee, erga lafa qabachuusaa, hundee gad fageeffatee dhaabbachuusaa mirkaneeffatee booda, dabnii fi shirri sanyii duguuggaa ummata Oromoorratti raawwate yoomuu kan dagatamuu miti.

Mootummoonni biyyattii asiin dura bulchaa turan hedduun isaanii yeroo aangoo qabatan yeroo jalqabaaf hundee gad fageeffatanii dhaabbachuusaanii, taa'uusaanii, aangawummaasaanii mirkaneeffatanii irra bubbuluuf waan haaraa, tooftaa addaa ummata qabbaneessu, isa mootummaa dura ture irraa adda ta'e fidanii, afaan babbareeffatanii dhufu. Hanga hundee gad jabeeffatanii dhaabbatanitti. Gaafa aangoon isaa barcumaan walii gale garuu bineensa nama qofa nyaatu osoo hin taane, bineensa, lubbuu namaan taphachaa nama nyaatu ta'u. Dargiin tooftaa kana mirkaneeffachuuf lafa qonnaan bulaaf jedhee ummata amansiisachuuf barattoota kutaa 12 xumuran gara leenjitti erge.

Qonnaan bulaan lafa yoo argate "Mootii nagaa arganne uffoo!" jedhu waan ta'eef hin dubbatan yaada jedhuun. Tooftaa ummata jijjiiree ittiin misoomsu, addunyaatti beeksisu, biyya diinagdeen guddatte taasisu osoo hin taane, tooftaa ummata garba godhatanii ittiin bitan,

tooftaa dachee sooressa taate, tooftaa ummata Oromoo baay'inni isaanii isaan rakkise kana ittiin saamanii fi ittiin hiri'isan barbaaduu ture gochaan isaanii. H/sillaaseen, ummata Gujii addaan qoqqoodee Baddaa fi Gammoojjii jechuun tooftaa ittiin bulchuu fi Oromoodhuma Oromoon lolchiisuun seenaa guddaa hin dagatamneedha.

Keessumattuu Dargiin ammoo Oromoota Gujii lixaa beektota isaan morman, kan ummata irratti kakaasan, kan sirna nama nyaataan hin bullu jedhanii falmachuu danda'an jedhee yaade tooftaan namoota bebbeekoo ta'an 369 aanaa Surroo keessaa mana tokkotti walitti qabee....., ibiddaan gube. Seenaa harkaa fi harma muraa naafxanyichi Minilik Arsii fi Harargeerratti taasiseenis adda hin ilaalamu. Waajjira Aadaa fi Turizimii godina Gujii Lixaa (2009:23-25)

Ummata kanaan dura loon isaa akka galchuuf waadaa seenee ture Surroo irratti akka bahu waamicha godhe. Yeroo kana lallabi lafa Gujiin jiru hunda akka gaheen, diqqaa fi guddaan osoo hin hafin bahuu akka qabu; kan kora kana hin bahin hafe diina/shiftaa akka ta'e dursee akeekkachiisee ture. Kanaafuu uummatni garaa qulqulluudhaan bahee horii isaa deebifachuu waan barbaaduuf, Bahaa, Dhiha, Kaabaa fi Kibbatti osoo hin hafin gaafa Onkololeessa 7, bara 1968 dibbee Surrootti bahe. Humni waraana Dargii Taakkalaan hoogganamu erga bakkatti argameen duuba, ummata manatti hafellee fiduu akka qabanuu olii fi gadii ergaa/lallaba/ kaase.

Namni saba Gujii hin ta'in yoo jiraate, akka keessaa bahu ajajee, namni saba Amaaraa tokkoo fi Geede'oo tokko waan argameef, addaan baasee of cinaatti dhaabbachiise. "Isin Oromoo Gujii ummata biraarraa addaan baatanii maaliif akka nyaaphaatti/ shiftaatti qofti jiraattu?" jedhee Gujii fixuu jalqabe.

Yeroo kana galma mana citaa fakkaatu kan jalasaa qofa muka Hindheessaarraa ijaaramee jirutti, akka ol timanuuf, ummata qawween marsanii tumachuu jalqaban. Hanga galmi guutee namni ol seenuu dadhabutti dhiibanii erga ol galchaniin duuba, muka furdaadhaan balbala isaa cufan. Guyyaa kana akka Kolbaan Gujii hin shakkineef

sobaa turan. Kan qe'eetti hafe ni dhufa; kan dhufe immoo akka hin deemneef ni dhoorkama. Halkan tokkoof marsanii erga bulaniin duuba, barii sanbata guddaa Onkololeessa 8, 1968 yeroo sa'atii 8:00 gahu, namoota bebbeekkamoo uummata keessaa addaan baasuu jalqaban.

Nama harka baasee gaaffii gaaffatu yookiin yaada kennu tokko tokkoon baasuu jalqaban. Galma keessaa gara alaatti baasuun harka isaanii teepkan duubatti erga hidhanii duuba, cimdii cimdii irree harka isaanii walitti hidhanii hiriirsuu jalqaban. Hidhattootni Dargii dhiiga uummata nagaa dhangalaasuuf dheebotan, qophii isaanii xumuranii eeggataa jiru. Yennaa tana ada, tarkaanfii warraaqsa gar-jabeennaa tana fudhachuuf, humni waraana Dargii fi saboota kaafamani, Gujii gara aanaa Galaana kan Kom'olchaa, Meexarrii fi Adaala sanii hunda kara Sooyyamaatiin seenanii weeraraa oolan. Loon uummataa saamaa, lubbuu ajjeesaa, tuulaa midhaanii fi mana ibiddaan gubaa erga oolaniin duuba Surrootti karaa Kaabaatiin dhihaatan.

Horii saamaa/dannabaa oofaa fidanii Surroo Barguddaa gahan. Gujiin Dibbee Surroo irratti, walgaahiif bahee ture, oduu waraana galaana seenee tarkaanfii warraaqsa gar-jabeennaa tun isaan bira akka hin geenyeef, humna waraanaatiin iddoo tokkotti kuufamanii turan. Ifi isaaniiittiif balleessaa takka waan hin qabneef, namni "mootummaan iddoo tokkotti nu fixa" jedhee yaade tokkollee hin turre.

Yeroo kana Taakkalaan uummata marsee jiruun "Gujii saganii shiftaa waan ta'aniif tarkaanfii irratti fudhannaa of keessaa baasaa" jennaan, ummatnis "warri saganii badii tokkollee osoo hin qabaatin horii offi saamaman. Kanaafuu hin baafnu" jedhanii fincilan.

Akkuma waraanni gara Sooyyamaarraa weeraraa dhufee Surroo gaheen, kan Surroo jiruuf isaan bira akka gahan himuuf dhukaasa banan. Yeroo kana Taakkalaan Woldee dhaabbatee "uummata aramanee kanarratti tarkaanfii warraaqsa ni fudhatama" jedhee yoo dhaadatu, namoota cimdii hidhaman hunda rasaasan si'a tokko fixan. Hidhattootni akkuma marsanii turaniin kan galma keessa jiranirrattis rasaasa roobsan. Ummatni galma keessa jiru qofti tilmaamaan nama 400 (dhibba afurii) ni ta'an ture. Kan dhuman battalumatti yoo dhuman kan hafaniin immoo "waraanni bararii hin dhabu kan duutan laa duutani, kan jirtanuu immoo mootummaan dhiifama godheera ka'asa" jedhan.

Kan lubbuun jiru/qooqee/ yoo socho'u achumatti rasaasa gar-jabinaatiin lafatti gadi deebisan. Yeroo kana waraana kanatti

makamuudhaan haala mijeessaa kan turan fi jiraattotuma magaalaa Bulee Horaa keessaa namoonni akka Mohaammad Roggee fi Bunoo Booree fa'a.

Dargiin gocha akkas ummata Oromoo Gujii irratti dalage. Yoomuu kan hin dagatamneedha. Barreessichi iccitiin kun dhokachuu waan hin qabnee fi diinummaan sirna Dargii fi ummata Oromoo caalaatti akka hubatamuuf jecha..... Barruu Waaajjirri Aadaa fi Turizimii godina Gujii Lixaa qopheesse irraa barreeffama dheeraa kana fudhachuuf dirqame.

Gochaa suukaneessaa kanaanis namootni akka aadde Badhaatuu Gammadee, aadde Buuyyaa Dangoo, obbo Adulaa Tulukkoo, obbo Eleshuu Bariisoo, obbo Soraa Saafayii, obbo Uddoo Galgaloo, obbo Cari Godaanaa fi kkf..... hedduun dhumuusaanii fi namoota 207 kan dhuman ammoo kitaabni kun qorannoon kan bira ga'e maqaasaanii kaa'eera.

Sirni H/sillaasee dargiidhaan osoo hin kufin dura ummata Gujii bulchuuf akka itti mijatuu fi Oromoo, Oromoodhumaan waraansisee akka buluuf Gujii Baddaa Fi Gujii Gammoojjii jedhee addaan qoodee ummata haadha tokko kana walitti buusaa tureera. Ummatni kun lamaan qubannaa lafaan adda wal qoodanii wal waraanaa turan. Mootummaas gargar filachuu eegalanii ture.

Gareen warra gammoojjii jedhaman Sumaalee waliin ta'uun warra baddaa waraanuu eegalan. Meeshaa waraanaa gahaas Sumaaleetu laataf. Warri baddaa kun ammoo garee Dargii ta'uun warra gammoojjii kana waraanu. Bariisoo Dukkallee waraana kana irratti bara 1969-1971 tti Dabballee olaantummaa guddaa agarsiisedha. Bariisoon yericha sirna haaraaf qabsaa'uun warra Sumaalee waraanaa ture. Mootiin haaraa dhufu waan fidee dhufu waan hin beekneef..... eenyumtuu hanga bultee isa argutti yoo dhaaba deeggaru biroo hin qabaanne isumaaf qabsaa'uuf dirqama ture.

Keessumattuu lolli 1969-71 aanaa Sabbaa Boruu fi Malkaa Sooddaa araddaa Daawwaa jedhamtu irratti ture, namoota hedduu dhabamsiisee ture. Dhumarra garuu bara 1971 tti waraanni garee Sumaalee waraana Dargiitiin injifatamuuf waan dirqameef moo'amanii Dargiitti harka kennatan.

Waraanni Bariisoo Dukkallee fa'i milkiin galan. Haa ta'u malee, waraana Sumaaleetti gaddi guddaan waan dhaga'ameef yeroo waraanni Dargii injifatee galu....., karaarratti fanjii qopheessuun namootni konkolaataan jiran hundi isaanii dhumuu danda'anii jiru.

Bariisoo Dukkallee kan balaa kanarraa oolche konkolaataa dhiisee miilan galuu isaa qofaadha. Kan dhuman dhumanii kan hafan galan. Namoota danuutu duguugame. Bara 1971 injifannoon erga galee booda Bariisoon 1972 Bulchaa aanaa Bulee Horaa ta'ee filame. Bulee Horaa bara san akka ammaa kana Gujiin lixaa godina waan hin taaneef, Awuraajjaa /Koonyaa/ Yaaballoo jalatti yaamamaa turte.

Qabsaa'aan qabsoo sirnoota jalloo buqqisuuf waraana hedduu keessa ibidda laboobse, erga gara bulchiinsa Bulee Horaatti dhufeen booda qabsoo misoomaa irratti bobba'ee gootummaa isaa kallattii hundaan agarsiise. Jiruufi jireenya ummata koo dukkana keessaa baasee ijaan arguun qaba jedhee iccitii tarsiimoo misoomaa guduunfatee ka'e.

Biyya tokko keessatti qilleensa gaarii fi roobni ga'aan argamna misoomni kallattii hedduun galma ga'uuf carraa qaba. Gootichi Bariisoo Dukkallees kana waan beekuuf hunda dursa jijjiirrama biyya kanaaf fiduuf qilleensa jijjiiruuf jecha Biqiltuu dhaabuun bosona taasisuun barbaachisaa akka ta'e hubatee dhaloota boriifis wabii ta'uu akka danda'u godhee achirraa eegale. Bara 1972-73 tti Biqiltuu bosona Baddaa Magaadaa fi Carrii Gololchaa dhaabsise. Biqiltuu kana dhaabsisuu qofa osoo hin taane, kunuunsisees galmaan gahee bosonichi kunoo har'a galaa dhalootaa ta'ee jira.

Kana malees, ummatni kun of baree....., of jijjiiree diinagdeen guddachuu qaba jedhee, ganamaa galgala gorsuu fi hojjachuurra darbee akka isaan maallaqas Baankiitti qusatanii wabii ofiif ta'aniif bara 1974 Baankii Daldala Itoophiyaa magaalaa Bulee Horaatti dhaabeef.

Bariisoon qonnaan bulaan illee jijjiirramee diinagdee isaa ammayyummaan akka guddifatuuf maallaqa Baankii akka godhatan gadi fageenyaan barsiisaa ture.

Kan gootaa olii, dhuguma sabasaaf of kennee, aantummaa ummatasaa mirkaneessuu isaa kan agarsiisu baruma kana (1974) ammas fayyaan ummata kanaa eegamuu qaba. Haadholiin, daa'imman, dargaggoo fi maanguddoon, kamuu dhimma fayyaan miidhamuu hin qabaniin Hospitaala Bulee Horaa ummatasaaf dhaabsise. Bara tokko keessatti Baankii Daldala Itoophiyaa fi Hospitaala ijaarsise. Oolmaa kanatu ummata Gujii keessaa ba'uu didee har'as, waa'ee Bariisoo yoo maqaan dhahame "Goota keenna" jedhanii osoo afaanii hin xumuratin imimmaan dursa. Hiriyootti isaa ciccimoon kanneen akka Dambii Waddeessaa, Mixoo Busee, Shibbiruu Kateeloo fa'i yeroo baay'ee bira dhaabbachuun deeggarsa godhuuf ture. Bara 1977 lammiin kamuu barachuu qaba. Nama baratetu jijjiirama biyyaaf wabiidha jechuun Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa Bulee Horaa dhaabsise. Walumaa galatti hojiiwwaan Bariisoon aantummaan ummatasaa jiraattota Gujiif hojjate:-

- 1972-3 Biqiltuu bosona Baddaa Maagadaa fi Carrii Gololchaa
- 1974 - Baankii Daldala Itoophiyaa
- 1974- Hospitaala Bulee Horaa
- 1977- Mana Barumsaa sadarkaa 2ffaa Bulee Horaa
- Buufata Xiyyaaraa (naannoo humna ibsaa ammaa ture)
- Galma guddaa Bulchiinsa Magaalaa Bulee Horaa
- Waajjiraalee teessoo Bulchiinsa Bulee Horaa

- Warshaa muka omishu hedduu Bulee Horaatti
- Waldaa Hojii Gamtaa /Yuuniyeenii/ Bunaa ganda Qilleensoo mokkonniisaatti.
- Wiirtuu ogummaa leenjii garagaraa dhaabsisuun qonnaan bultoota hedduu leenjisa tureera.
- Daandii aanaa Bulee Horaa eegalchiisee hanga aanaa Shaakkisootti fi kkf hedduu hojjachiise. Keessumattuu kan nama ajaa'ibsiisu daandii kana yeroo hojjachiisu meeshaalee ammayyaa fayyadamee osoo hin taane, ummatasaa jaalalaan amansiisee harkaan gochisiisetti.

Koolleejjiiin Barnoota Barsiisotaa Bulee Horaa gooticha kanaaf hojiiilee inni ummatasaaf hojjatee fi bara isaa waliin akka armaan gaditti Siidaa guddaa, Siidaa yaadannoo dhaabefii jira.



Gootichi kun qabsoo **Siidaa Bariisoo Dukkallee** ummata Oromoof gahee olaanaa bahe. Mootummoota saba isaa cunqursan kamuu mormuun fayyadamummaa ummatasaa dursaa ture. Bu'uraalee Misoomaa fi hojiiilee armaan olitti tarreeffaman kana hundaafuu maddi baasii ummatasaa amansiisuun ummatarraa funaanameedha. Haa ta'u malee, yeroo adda addaatti bu'uraaleen jireenyaa kunneen ummata kanaaf akka guuttaman irra deddeebiin aangawoota mootummaa Dargii gaafatee waan dhabeef, gibira ummatarraa guuru....., mootummaaf galchuu didee fayyadamummaa ummatasaadursaa aansee bu'uraalee misoomaa kana ittiin ijaarsisaa tureera.

Gootni akkas garaa mootummoota jalloo guutuu irra, ummatasaa filatee ummataaf qabsaa'e, Bariisoo Dukkallee galaa seenaa ummata Gujii fi dhaloota Oromoof dhiisee ofisaaf biraa godaane.

Bariisoo Dukkallee aantummaa fi faayidaa ofii dursa ummatasaaf dursa. Ofii beela'ee ummatasaa nyaachiisa. Ofii dheebotee ummatasaa dheebuu baasa. Ofii dadhabee ummatasaaf haara galfii kenna. Ofii dhiphatee ummatasaaf bal'ina hawwa. Amaanaa ummataa fudhatee amanamummaan goota galmaan gahe seenaaf jiraatedha. Yeroo mana barumsaa sad. 2ffaa Bulee Horaa ijaaretti maallaqa ummatarraa waraqaa adii irratti funaanee....., amanamummaa ummatasaaf ibse, jedhanii waa'een isaa yoo ka'u imimmaan harcaasaa dubbatu obboleessi isaa Birhaanuun.

Bariisoon bulchaa aanaa ta'ee waggaa hedduu tajaajilee jira. Haa ta'u malee, bara jireenyaa isaatti lafa mana jireenyaa fi mana jireenyaa illee ijaarratee kan hin qabne Bariisoon hanga du'attillee mana gandaa keessa jiraachaa ture. Wanti baay'ee nama gaddisiisuu fi ummata Gujii har'allee boochisu Bariisoon erga du'een booda kaadiroonni Dargii Isaappaan /ሐሳፓ/ malaammaltummaan shakkanii Dabtara Herreega Baankii /Book account/ isaa yeroo sakattaasisan Dabtara Herreega Baankii isaa irraa qarshii Jahaatama (60) qofatu argame. Baay'ees gaddan. Gujii guutuun gaafa dhagahu hinqirfatee boo'e. Ofiisaa ummatasaaf kennee amanamummaan ummata san tajaajilaa turuun lafaa marartee fi gaddaan ummata Gujii booji'e.....

Akka obbo Birhaanuun jedhanitti, "Namni faayidaan dhuunfaa isaa akka guuttamuuf barbaade tokko Bariisoodhaaf yeroo addaa tokko malaammaltummaaf maallaqa kennuuf itti fide" Bariisoon garuu maallaqa isaa waliin qabee namicha mana hidhaa geessuun..... ofii adda duree ta'ee ummataafis fakkeenya ta'e jechuun ibsa. Malaammaltummaa irratti hangas hojjate.

Sababuma faayidaa nama dhuunfaa dursuu didee ummatasaa dursuuf jecha yeroo garagaraatti namoota dhuunfaa kanneenin dhiibbaan hedduu irra gaheera. Lubbuu isaa balleessuufis danuun isaanii yaalanii osoo hin milkaa'in hafanii lubbuu namoota biroo balleessanii jiru. Yeroo garagaraatti wantoota ummatasaaf bu'uuraalee jireenyaa ta'an guutuuf adda durummaan ifaaja ture. Magaalaa Bulee Horaa keessatti baricha keessa warri daadhii gurguran "Sukkaarri nu qofaaf yaa kennamu," jedhanii cimsanii isa mormaa turaniiru. Bariisoon ammoo "Fayyadamummaan isinii fi ummatni qabdan wal qixa waan ta'eef, lakki hawaasni guutuun argachuu qaba" jechuun ittisee walqixxummaa ummataa agarsiise.

Gochi kun ammoo lubbuun isaa akka dhabamuuf namootni itti bitamanii isa ajjeesuu dhaqanii osoo isa hin argatin, isa se'anii waardiyyoota sadii ajjeesanii jiru. Olaantummaa seeraa kabachiisuuf ummata Bulee Horaa ganda 01 walitti qabee guyyaa 5 hojii fi gabaa isaan dhoorkee namoota waardiyyoota ajjeesan kana baasissee seeratti dhiyeesse, jedhu obbo Birhaanuu Dukkallee. Ajjeechaan sun carraa taatee waardiyyoota fudhatte malee kan dhufteef garuu, Bariisoof turte. Goototni haqummaa fi onneen ummatasaaniif aantummaan hojjatan, ofiisaanii beela'aa, mana kiraayii keessa taa'aa, waanuma haqa hojjataniif warri shiraa fi ummata nyaachuu bare lubbuu namoota kanaa dhabamsiisuuf yaaliin isaan godhan guddaadha. Ammas seenaa Alamaayyoo Atomsaa kitaabuma kanarraa dubbisaa.

Gootni sabaa jireenya ummatasaaf dursa kennu qaama kamiyyuu karaa qajeelaan tarkaanfii fuulduraatti akka imalaniif, fedhii isaanii guutuuf halkanii guyyaa ifaaja. Dargaggoota sochii adda addaa keessatti gurmeessee akka isaan kallattii kamiinuu hirmaannaa fi mul'atni isaanii biyyaaf ta'u godha. Artistoota barsiisee of dandeessisee fakkeenya taasisuuf jecha meeshaalee isaan barbaachisu hunda ofiisaatii deemuun sumaaalee irraa galcheefii jira.

Kana malees, dargaggoonni ispoortii keessatti hirmaatanii akka biyyaaf bakka bu'aniif tattaaffii guddaa gochaa tureera. Taphattoota ykn ispoortii warra hojjatan ilaalcha fi dandeettii isaanii gama kamiin iyyuu fooyyessee isaan baasuuf jecha torbee torbeen sangaa qalaafii tureera jedhu keessa beektotni. Ittis milkaa'eera. Taphattoota Addunyaa fi biyyaaf beeksisuufis yeroo hojjataa jirutti lubbuusaa dhabeera.

Ofisaafillee ispoortii baay'ee jaallata. Dandeettiin inni qabus adda ture. Naannawa bara 1976 taphattoota dorgomtoota isaa faana ta'uun aanaalee Koonyaa Areeroo keessa jiran 8 Yaaballoo irratti injifachuun waancaa 12 argateera.

Haa ta'u malee, inni kun ammoo dorgomtoota faallaa isaa waliin Yaaballoo irratti akka walitti bu'an taasise. Lola cimaa tureenis taphattootni garee isaa baay'een miilli akka caccabu ta'eera. Konkolaataanis akka hin galle taasifamuun baqatanii..... bosona keessa miilan km 100 qaxxaamuruun Bulee Horaatti akka galan ta'anii jiru. Jaalalli ispoortii kun lubbuusaa akka dhabuufis karaa saaquun isaa hin hafne jedhu Obboleessi isaa Birhaanuun. Bariisoon yeroo garagaraatti godinni Gujii ammaa kun of dandeessee akka godinatti waamamtuuf tattaaffii fi gaaffilee hedduu taasisaa tureera. Duraan Gujiin Sidaamoo jalatti waamamaa turte. "ከፋፍ ስፋፍ አገር በአሬር አወራጃ የአገረ ማርያም ወረደ" jedhamtee waamamaa turte Buleen Horaa har'aa. Kanaaf jecha bara 1977 godina Gujii ta'ee akka of danda'ee hundeeffamuuf mirkaneeffameefi; jedhu qorataan seenaa Waajjira Aadaa fi Turizimii godina Gujii Lixaa Obbo Galaanoo Dhugoo.

Hundeeffama godina kanaan walqabatee eebba guddaa Yaaballoo irratti taasifameen namootni hedduun iddoo garagaraa, irraa hirmaatanii jiru. Bariisoo Dukkallee gootichis yaamicha kabajaa fi gammachuuf yaamamee kabajaan irratti argame. Nyaatanii

dhuganii....., sirni hedduun taasifame. Ummata Gujiif gammachuutu ta'e. Godina isaanitu maqaa godinummaa argate waan ta'eef.

Bariisoof garuu guyyaan sun milkii hin qabdu. Faana milkii, ijjannoo milkii, tobtooba nagaa na oolchi jedhee kadhatee manaa hin baane fakkaata. Kanas, ta'ee san, Bariisoof guyyaan sun guyyaa gammachuu argee leetoo itti fufsiisu osoo hin taane, guyyaa dachee tanatti nagaa dhaamee ummatasaa jaalatu irraa adda bahu taate. Diinni isaa nama itti bitee qopheessuun dhugaatii waliin qorichi hamaan akka kennamuuf ta'e. Lapheen isaa jibba malee jaalalaan waan guutamteef akkuma isaa san se'ee shakkii tokko malee, dhugaaticha dhuge. Altokko tokko gaarii hojjachuun nama ajjeesisa. Iccitiin Bariisoo Dukkallee fi Alamaayyoo Atomsaa danuun isaa walfakkaata. Bariisoon baroota hedduu sirnoota shira xaxan irratti qabsaa'e. Achii erga deebi'ees imaanaa dhalootaa fudhatee ummatasaa guddisuuf bu'aa ba'ii hedduu dabarsee erga jedheen booda kaayyoo isaa dhumaa galmaan osoo hin ga'atin shira diinaan akka ajjeefamu ta'e.

Akka fayyuufis Hospitaala Yirgaalam geeffamee fayyuu hin dandeenye. Ummatasaa fi dhalootaf galaa bara baraa ta'ee ofiisaaf bara 1977 ardiitti nagaa dhaammate. Mana amantaa Ortodoksii Bulee Horaatti sirni awwaalcha isaa raawwate. Ummata Gujii fi Oromootatti hanga har'aa seenaa bara baraa ta'ee imimmaan harcaasisaa..... galaana gaddaa ta'eefii onnee isaanii keessatti suphame.

Bariisoon bara jireenya isaa keessatti ummatasaaf hojjachuu malee ofiisaaf yaadee hin beeku.

19. Jeneraal Waaqoo Guutuu (1916-1998)



"Gabrummaa hiddaan buqqifna; yoo dhadhabne ilmaan itti guddifna, dhalootaf dabarsina"

Hayilasillaaseen bara 1922 gara aangootti erga dhufee eegalee bultee ummata Oromoo irratti tooftaan inni lafa jalaan baafate beektota ilmaan Oromoo, dhabamsiisuu, qabeenya dhala Oromoo saamuu,

dachee Oromiyaa of harkatti galfatee..., aadaa fi Afaan Oromoo gad qabee aangoo abbaa irrummaan bulchuu ture.

Afaan Oromoo gad qabaa, afaan hojii, afaan amantii fi afaan biroos afaan Amaaraa malee dhimma akka itti hin baane labsii labse. Kanneen isa morman ammoo fannisaa, hidhaa, irbaata rasaasaa gochaa ture. Seenaa Garmaamee Niwaay fi Mangistuu Niwaay ilaaluun ni danda'ama. Kun yaa ta'u malee, goototni Oromoo abjuu dhugoomfachuu..., seenaa isaanii fi eenyummaa isaanii deeffachuuf, diina bara baraan dabaree dabaree itti wal furu dhabamsiisuuf bifa ijaarameen qabsoo Oromoo ijaaranii qawwee diinatti dhukaasuu eegalan.

Warra afaan nadhii dammaa dibatanii, keessi isaanii qilee, warra garaa bal'aa gochi isaanii summii san ofirraa fonqolchuuf kutannoon ka'an. Fincila H/sillaasee irratti kaasanii eenyummaa isaaniiif kan falman keessaa qonnaan bultootni Baalee adda dureen ka'u. Gootota dacheen Baalee biqilchite, Jeneraal Waaqoo Guutuu, Koloneel Huseen Bune, Koloneel Aliyyii Cirrii, Haaji Aadam Saaddoo fi kkf danuun seenaa dinqisiisaa mootummaa Hayilasillaasee irratti hojjatan yoomuu dhaloota jalaa hin dhokatu.

Jeneraal waaqoo Guutuu bara 1916 godina Baalee, aanaa Madda Walaabuu, Araddaa Odaa jedhamutti dhalate. Umrii daa'imummaa isaa akkuma ijoollee Baalee kamiitti loowwan tiksaa, biyyee daakee taphachaa guddate. Yeruma umrii isaa xiqqummaatti xiiqii kan hin dandeenye....., dhugaa qofa nama dubbatu, baay'ee kan yaaduu fi beekaa ture jedhu maanguddoonni dhageettin waa'ee isaa himan. Fuuldureen isaa borii nama akkam akka ta'u irraa dubbata ture. Barnoota amantaas baratee ture.

Mootiin Hayilasillaasee ani kennaa Waaqaati. Aangoo Waaqatu naaf kenne jedha. Akka amantaa mootichaatti loltootni isaa hin du'an; innis hin du'u.

Hin injifataman; hin injifatamus. Qaamni aangoo isarraa fudhachuu danda'u akka hin jirretti yaada. Akkaataa kanaanis ummata qabsiise. Ummatni akka Waaqatti akka isaaf 'Sagadus' taasise. Kun tooftaa inni ummata ittiin sodaachisee aangorra turuu fi ittiin gabroomfachuuuf baafateedha. Jeneraal Waaqoon waan kana yaadee, xiinxale. Akkuma umriin isaa dabalaa deemuun gidiraa mootummichi ummatarratti raawwatu hubachaa deeme.

Ummatni Oromoos Shira isaa kana kan itti arge, keessattuu Maccaa fi Tuulamni adda dureen fincila itti kaasan. Bara 1960 sochiin eegale gara Arsii akka hin babal'anneef ummata Arsii irraan dhiibbaa guddaa geessise. Boodarras qabeenya ummata Arsii hunda saamuuf Oromootni Arsii guyyaa 15 keessatti lafa isaanii dhiisanii gara Gammoojjii Keeniyatti akka galan ajajni Hayilasillaasee irraa darbe.

Haa ta'u malee, Oromootni Arsii matta'a mootummaa Hayilasillaaseef loon kennanii akka guyyaan biyyaa ba'an dheeratuuf taasisan. Isaan beellamni akka achi butamuuf kan gaafatan dhuguma biyyaa ba'uuf osoo hin taane....., haala qabsoo aanjeffachuuf ture.

Yeroo kanatti Jeneraal Waaqoon gara mootummaa Somaaliyaa imaluun Ziyaad Baarree irraa qawwee "Dhoombir" jedhamtu argatee, uummataa fi qabsaa'ota ciccimoo qindeessee Hayilasillaasee irratti bobbaase. Shallamaa (2011:228, maxx.4ffaa)

Jereraal Waaqoos erga Ziyaad Baarree waliin mari'ateen booda qawwee "Dhoombir" jedhamtu rasaasa gahaa wajjiin gargaarsan kennisiseef. Jeneraal Waaqoo Guutuus namoota isaa waliin qawwee deeggarsaan argate fudhatee gara Madda Walaabutti deebi'uun Malkaa Annaatti yeroo jalqabaatiif humna waraana Hayilasillaasee irratti dhukaasa bane. Waraanni kunis maqaa qawwee Soomaaliyaarraa argate Dhoombiritti mogga'ee "Lola Dhoombir" jedhamee beekama.

Dubbiin akka Hayilasillaaseen eegee miti. Ummatni guutuun dubartiin, dhiirri ba'anii fincilan. Bara baraan saamamaa jiraachuu, aadaa fi afaan ofii dhabuu, Loowwanii fi qabeenya ofii keessaa qullaatti hafuu, mootummaa naafxanyaa gabbaraa jiraachuu nuffan. Falmiin eenyummaa cimee itti fufe.

Waraanni Jeneraal Waaqoo Guutuutiin hoogganamu kan naannoo laga Gannaalee, loltoota Hayilasillaaseetiin akka barbadaa'u ajajni guddaan darbe. Waraanni garee Hayilasillaasee fi Jeneraal Waaqoo Guutuu yeroo jalqabaatiif injifannoo milkiif malkaa Aannaa irratti wal qabe.

Gareen Jeneraal Waaqoo qawwee "Dhoombir" mootummaa Somaaliyaa irraa fudhate 43 qofa qaba. Yaa ta'u malee, milkiin kan abbaa haqaa taatee humni Jeneraal Waaqoo loltoota Hayilasillaasee barbadeessuun meeshaa waraanaa isaanis danuu booji'an.

Humni Jeneraal Waaqoo Guutuu kun malkaa Aannaa irratti injifannoo guddaa erga galmeessee booda guyyaa 4ffaa irratti magaalaa Bidiree cabsanii seenan. Torban Malkaa Aannaatti gad deebi'anii iddoo Mandhichoo jedhamutti alaabaa qabsoo ofii dhaabbatan.

Kana booda, waraanni /humni/ Jeneraal Waaqoo Guutuu kun jecha tokkoratti waliigale. Jecha gooticha Jeneraal Waaqoo Guutuu "Gabrummaa hiddaan buqqifna; yoo dadhabne ilmaan itti guddifna; dhalootatti dabarsina....." kan jedhu ture. Qonnaan bultootni fi qabsaa'otni Baalee hunduu Jeneraalicha faana hiriiran. Ummatni Oromoo bara baraan diinan gidirfamuu fi saamamuu jibbeera. Nuffeera waan ta'eef; Keessumattuu qonnaan bultootni Baalee Hayilasillaasee waliin yeroo adda addaatti, dirree adda addaarratti hudhee wal qabee jira.

Dhugaa qabatanii falmu. Lafa isaanitu saamame. Qonnaan bulaan ciisanyaa ta'e. Naafxanyoota humna waraanatiin itti duulaniif qotuun....., gabbaruun.... gahee qonnaan bulaa taate. Kanaaf fincilanii naafxanyaa ofirraa kuffisuuf gooticha duukaa bu'an. Naafxanyaan hojii tokko malee taa'ee, osoo hin ifaajin dafqa qonnaan bulaa soorata.

Qonnaan bulaan qotee, galchee, rooba fi aduun itti bu'ee, dafqee yeroo callaa galfatu naafxanyichi lafa isaanii saame, harka dhibba keessaa torbaatamii shan (%75) irraa safarata. Abbaan lafaa fi dafqaa qonnaan bulaan (%25) argata. Hiyyeessa hiyyummaa waliin ta'anii dararan. Mana irratti diigan. Lafa isaa irraa fudhatan. Kanatu ummata kutannoon qabsootti bobbaase. Mootummaan Hayilasillaasee haala qabsaa'otaa fi gooticha Jeneraal Waaqoo Guutuu kana yeroo argu sochii ummataa kana barbadeessuuf....., ajaja tokko dabarse. Waraana kumaatamaan lakkaawwamu naannoo waraanni Jeneraal Waaqoo Guutuu jirutti akka bobba'u taasise. Waraanni naafxanyichaa kumaatamaan miti miliyoonan dhaquu gootichi sodaa isaanii hin qabu ture. Haaluma sanaan waraana kumaatama Hayilasillaasee irraa itti ergame haala gaaritti keessummeessee galche. Ofirraa qolee isaan deebise. Hedduu isaanii walirra ciciibse.

Akka fuulli (www.bilisumaa.com.) waraabbii gabaabaa waa'ee Jeneraal Waaqoo Guutuu irratti (February 1,2013) gad lakkisetti tarkaanfiin itti aanu Hayilasillaaseen loltoota Jeneraal Waaqoon hoogganamu irratti fudhate, waraana Jeneraal, Waaqoo Guutuu xiyyaaran (Elekooptaraan) rukutuudha.

Jeneraal Waaqoo fi qabsaa'otni isa waliin jiran gaara keessa qubatan. Caffee lafa dhooqa keessa uffata afanii jiru. Loon ammoo Marga dheedu. Lafichi golba ture. Xiyyaaronni Hayilasillaasee waraana Jeneraal Waaqoo fa'i argadhe jedhee gara Caffee dhooqaa gadi bu'e. Jeneraal Waaqoon fa'i gaara gubbaa riphanii jiru waan ta'eef, walitti

dhiyeenyi isaani fi xiyyaara gidduu jiru baay'ee walitti kalaa'ee jira. Lafti fi bosonni Baalee ofuma isaafuu qabsoof mijataadha. Xiyyaarichi uffata lafa afamee jiruu fi loon irratti waraana roobsuu eegale.

Waraanni Jeneraal Waaqoo bakka riphee jiruu xiyyaara naafxanyichaa qawwee rasaasa tokko tokko dhukaastun Samiirratti daaraa godhe. Muhaammad (2007:132 maxx.3ffaa)

"Loltootni Oromoo Baalee kan akka Jeneraal Waaqoo Guutuu, Huseen Juuree, Waaqoo Luugoo fi Aliyyii Cirrii faati sabboontota Oromoo biraa wajjin meeshaa waraanaa duubatti hafaa mootummaa Sumaaleerraa argatan, qawwee "Dhoombir" jedhamu kanaan, haala nama dinqisiisuun xiyyaarota mootummaa Hayilasillaasee ka isaaniin loluu dhufe samiirraa harcaasan."

Goototni Baalee kunneen qawwee loon gurguratanii bitatanii fi mootummaa Sumaalee irraa fudhatanii bara kudha sagal shantamoota keessa lolli Hayilasillaasee fi loltoota Baalee gidduutti guyyaa sadiif taasifame lola cimaa ture. Waraana naafxanyaa lola "Dhoombir" jedhama. Lola kanarratti gootichi Baalee Abdullaahii Aadam fi hiriyaansaa iddoo kanatti lola cimaa godhaniin Abdullaahi naafxanyoota 32 fixee hiriyaansaa ammoo naafxanyootan wareegamuun lagni Walmal fudhate. Muhaammad (2007:132 maxx.3ffaa)

"Qabsaa'onni Baalee lola jalqabaa ka bara 1963 irraa hanga 1970 mootummaa Hayilasillaaseerratti gaggeeffame....., maqaa Qawwee "Dhoombir" 'n waan moggaasaniif, uummata Baalee biratti lolli sun "lola dhoombir" jedhamee beekama."

Sochiin cimaan kallattii garagaraan Baale keessatti taasifame. Jeneraal Waaqoon miseensa hedduu horatee H/Sillaasetti yaaddoo

guddaa ta'e. Bosona iddoo jireenyaa godhatanii jiru. Duguuggii sanyii dhala namaa mootummaan gabroomfataa taasisu, fuuldura dhaabbatanii falmuu itti fufan. Sabni haqaa....., haqa isaa dhabee gidirfamuu jibbee manaa bahe, Jeneraal Waaqoo duuka hiriire. Jeneraal Waaqoon nama dhugaaf, dhiiga lammiisaa fi saamamuu qabeenya isaa qabsaa'eedha. Rabbiinis yoo kadhate yoosuma deebiin isaa deebi'aaf.

Raajii yeroo waraanni isaa jalaa beela'u Rabbiin kadhatee deebii argate fuulli www.bilisummaa.com. (february 1, 2013), seenaa gabaabaa waa'ee Jeneraal Waaqoo irratti seenaa beektota haasofsiise yeroo himan, "Qabsoo keessa gaafa jiran gaaf tokko waraanni isaanii danuun beela'ee, waan nyaatan dhabanii, warri wajjiin jiru, "Jeneraal beelofnee, ummatni kun nu harkatti dadhabaa jiraa, horiin naannoo kana ni jiraa, sangama tokkocha keessaa qallee maaf hin nyaanne.....? Waraanni kun nu harkatti dhumaa jira" jedhanii gaafannaan, waan sadiitti deeman.

Inni jalqabaa "Yoo nuti dhugaan qabsoo ummaticha kanaa galmaan gahuuf baane....., Rabbiin dhugaaf baane sun nun gatu." Lammaffaa "Wanti nuti irra jirru kun karaa itti fufamuu qabu yoo ta'e, Rabbi nun gatu." Sadaffaa, "Lolli diina keenyan lolaa jirru kun, isa dhugaa ka diinni nu cunqurse yoo ta'e, Rabbuma dhugaa qabu sana gaafanna." jedhanii gidduma kanaan "Koottaa mee gaara kana jala teenyee haasofnaa," jedhanii gara gaaraa wal waaman. Ganama lolarra turanii guyyaa beelarra turanii aduu galgalaa irratti osoo waan kana itti himan Jeneraal Waaqoon boo'ee "Yaa Rabbii yoo ummatni Oromoo dhugaan dhiibbamee jiraate, yoo dhugaarra ka jiraannu taane, nuuf birmadhu" jedhee osoo inni hin geessin gaara jala taa'an kana gubbaa Gadamsi karaa darbaa jiru, tokko isa tokkotti bu'ee....., kan itti bu'ame guddichi isaa dhagaa irraa jigee..... dhufee jara jalatti lafa dhahe. "Ila kunoo kan Rabbii nuuf erge kanaa, horii namaas hin soqnuu kana

nyaadhaa” jedhe. Kun dhuguma hangam akka qabsoo ummatasaaf qabsaa’e, Rabbiin ragaa ba’e, jechuun ibsu.

Sochiin farra diinaa Baaleetti kallattii garagaraan babal’achaa adeeme. Isaan keessaa tokko sochii waraana bilisummaa Koloneel Huseen Buneeti. Waraanni kun Ginniir fi Koonyaa Waabeetti diina galaa biyyoo taasisaa ture. Boodarra garuu sababa meeshaan waraanaa jalaa hir’achaa dhufeen humni isaa xiqqaachaa dhufe. Yeroo kana tooftaa tokko ta’anii diina gonbisuu baafatanii gara tuuta waraana Jeneraal Waaqoo waliin bakka Gooroo Dugdaa jedhamutti walitti dabalamuun diina isaanii barbadeessuu eegalan. Iddoo adda addaattis injifannoo boonsaa naafxanyicha irratti galmeessan.

Jeneraal Waaqoon miseensa isaa cimsatee....., duuka buutota hedduu horate. Qabsoo eegalame, kana cimsee sirriitti itti fufsiisuuf, jecha altokkoon ijoollee 850 leenjii loltummaa fudhachiisuuf, akkasumas meeshaa waraanaa mootummaa Sumaaletirraa qabatanii akka dhufaniif gara Somaaliyaatti erge. Waraanni ergame leenjii fudhatus, mootummaan Somaaliyaa yericha tasgabii waan dhabeef, jecha meeshaa qabatee osoo hin dhufin achumatti faca’ee hafuuf dirgame.

Naafxanyichi haala kana yoo dhaga’u, onnee si’eeffatee humna cimsate. Yeroo kana Hayilasillaaseen ergaa tokko gara ajajaa waraanaa Jeneraal Jaagamaa Keellootiin Jeneraal Waaqoof erge. Kunis araarri bu’ee akka qe’eetti deebi’aniif ture. Jeneraal Waaqoon ummatni akka jalaa hin dhumne jedhee nagaa uumuuf jecha, biyyatti deebi’ee waggaa shaniif walaabu jiraate. Muhaammad (2007:134 maxx.3ffaa)

Lolli dheeraan naafxanyootaafi Oromoota Baalee jidduutti adeemsifame kun naafxanyoota abdii waan kutachiiseef, Hayilasillaaseen waraanni Baale jiru hojii waraanaatiifi hojii bulchiinsaa akka wal cinaatti hojjatu ajajee, biyyattii bulchiinsa waraanaa jala oolchan. Haala kanaan, Warquu

Mattaafariyaa, J/Walda Sillaasee Baarrakaa, J/Jaagamaa Keelloo, J/Kabbadaa Yaaqob, Gassasaa Rattaa fa’a, Oromoota Baalee irra taa’anii cunqursaan bitan. Kun osoo kanaan jiruu, mootummaan Hayilasillaaseetii fi hoogganaa waraanaa uummata Baalee, Jeneraal Waaqoo Guutuu, waliigaltee araaraafi nagayaarra waan gahaniif, ji’a Bitootessaa bara 1962 (ALH) yeroof lolli dhaabbate. Garuu mootummaan Hayilasillaasee, ummata Baalee bittaa gabrummaa jala oolchuuf haala mijeeffatee yeroo lammataatif akkuma duraan baratetti cunqursaa isaa itti fufe.

Jeneraal Waaqoon, haalli (tooftaan) Hayilasillaaseen ittiin harkatti galfachuu barbaade erga galeefii booda gara bosonaa deebi’uun waraana eegale. Ammas, Muhaammad (2007:135 maxx.3ffaa) yeroo ibsu,

Jeneraal Waaqoo fi waahillan isaanii sirna mootummaa Hayilasillaasee, isa nama nyaataa fi cunqursaa ta’e irratti, bara dheeraaf lola cimaa akkuma adeemsisaa turan, yeroo lammataatif bara 1976 (ALA), Mooqadishoo deemanii meeshaa waraanaa “kilaasii” jedhamu Sumaalerraa argatanii qabsoo dirree waraanaa eegalan. Lolli yeroo lammameessoo kun “Sowraa” jedhamee beekama.

Akkuma qabsoon lola “Sowraa” sun jalqabameen, ibiddi warraaqsa gandoota qote bulaa Baalee hedduu keessatti qabate.

Haala kanaan qonnaan bultootni Baalee guutumatti, barattootni Oromoo Yuunivarsiitii garagaraarra jiran, Oromootni guutuun fincila guddaa taasisaaniin mootummaan Hayilasillaasee kufe. Abdiisaa (2018:163 A.L.A) yoo ibsu,

“Fincilli lola Baalee (1963-1974) kan Jeneraal Waaqoon hoogganamu kun kufattii mootummaa Hayilasillaasee kan bara 1974 tiif sababa guddaa ta’e. Lolli kutaa Baalee keessatti godhamaa ture kun Oromiyaa

guutuu keessatti qonnaan bultoota, barattoota, leenjitoota waraanaa fi ogeeyyii adda addaa haamilee kakaasee, qabsoo bilisummaa Oromiyaa keessatti bifa hedduun akka hirmaatan taasise.”



Jeneraal Waaqoo fi hiriyoota isaa (Fiqira Maarqos, 2001:251)

Dargiin (Mangistuun) gara aangootti erga dhufee booda....., mootii ilma namaaf yaadu, walqixxummaa dagaagsu, imimmaan hiyyeessaa kan qoorsu of fakkeessee yeroof hanga teessoo sirna bulchiinsa isaa miila jabeeffatutti of dhaadhessee ture. Ummatni biyyattiis, mootiin nagaa, mootiin hiyyeessaaf yaadu dhufe jechuun keessi isaanii gammachuun guutame. Lafti qonnaan bultootaaf jedhee labsii labse. Iccitiin isaa garuu turee bubbulee ifa bahe.

Dargiin yeroo kana, akkuma gara aangootti dhufeen Jeneraal Waaqoo Guutuuf ergaa dabarse. “Mootummaan Dargii walqixxummaa sabaa fi sablammootaatti amanee, mirga isaanii eegge, ummata wajjiin hojjachuuf waan qophaa’eef..... isinis gara koo dhuftanii waliin mari’achaa akka hojjannuuf koottaa” jedhee dhaame. Jeneraal Waaqoos ergaan Mangistuu kun dhugaa itti fakkaattee bara 1970 dirree waraanaa irraa bahee gara Finfinnee qajele. (Muhaammad, 2007).

Dargiin (Mangistuunis) Jeneraal Waaqoo Guutuu waliin rakkoo Oromoo guutuu mari’atee akka furmaata laatuuf waadaa gale. Yaa ta’u malee, Dargiinis takka bubbulee saba Oromoo irratti duguuggii sanyii

gaggeessuu jalqabe. Beektota Oromoo walitti qabee rashanuu, mana hidhaatti guuruu, fannisuu, ajjeesuu itti fufe. Shallamaa (2011:232 maxx.4ffaa)

Mootummaan Dargii aanaa Barbaree ganda Badmaannaa keessatti namoota 40 mana tokko galchee itti cufee, ibiddaan gube. Aanaa Dallo Mannaa keessatti, guyyaa gabaa namoota nagaa 60 morma buusee qale. Iddoon kunis ega guyyaa sanaatii “Hagayya Gorraasaa” jedhamtee akka yaamamu jaarsoliin toora sanaa dhugaa ba’u. Namoonni nagaas qabamanii shiftaa dhoksitaniin reebamaa fi dararamaa, kaan ammoo ajjeefamanii as buuteen isaanii dhokfamaa ture.

Jeneraal Waaqoo Guutuu haalli Dargii kun ifa waan ta’eef ammas qabsoo malee saba Oromoo kana bilisa baasuun akka hin danda’amne hubatee gara mootummaa Soomaaliyaa imaluun....., qawwee rasaasa 8 nyaattu “Jaanaddee” kan jedhamtu fudhatee biyyatti deebi’uun Dargii loluu eegale. Waraana Mootummaa Dargiis lafarraa duguuguu eegale. Dargiin sababa fincila Jeneraal Waaqoo Guutuutiin kan ka’e hawaasa Baalee hedduu dararaa ture. Saamaa tureera.

Mootummaa Dargii qofa osoo hin taane, Hayilasillaaseen immoo saamichi ummata Baalee irratti taasise yoomuu kan hin dagatamneedha. Gulaaltotni Daraaraa fi Dr. Muhammad (2008:381)

“They slaughtered as many cattle, goats, and sheep as they could consume and turned over the rest to the state, which in turn auctioned them at abnormally low prices. In the period 1968-70 alone, by official accounts, over 60,000 cattle (slightly over 4 percent of the livestock in Bale), 18,698 camels, 7,000 pack animals, and 22,215 sheep and goats were confiscate.” Kana jechuun loon 60,000, gaalota 18,698, faradoo, harroota fi gaangolii 7,000, re’oota fi hoolota 22,215, waliigala beelladoota 107,913 qote bultoota Baalee irraa Hayilasillaaseen saameera jechuudha.

Jeneraal Waaqoo Guutuu boodarra meeshaa waraanaa gahaa argachuu dadhabee humni isaa jalaa hir'achaa waan dhufeeff, biyya keeniyaatti koolu galtummaan baqate. Turtii bara dheeraa booda Dargiin kufee Wayyaaneen yeroo too'atu 1983 gootichi carraa deebi'ee..... biyyatti galuu argate. Jeneraal Waaqoon yeroo kana Finfinnee dhaquun chaartara mootummaa cehumsaa mallatteessee yeroo muraasa Finfinnee erga tureen booda biyya Keeniyatti deebi'ee jireenya isaa gaggeeffachuu itti fufe. Bara Keeniyaa keessa turetti Adda Tokkummaa Bilisummaa Oromoo /UOPLF/ hundeessee ture. (Shallamaa, 2011)

Gootni Barkumee kun iddoo jiraachaa jiru biyya Keeniyatti Amajjii 26,1998 addunyaa kanarraa du'aan boqate. Reeffi goota kanaas kabajjaan biyya dhaloota isaatti deebi'ee, iddoo aangawootni mootummaa gurguddaan, namootni bebbeekamoon fi ummatni miliyoonan lakkaa'amu argamutti iddoo dhaloota isaa, iddoo qabsoo isaa ganamaa lafa carra qabeettii Madda Walaabutti awwaalame.

Jeneraal Waaqoo Guutuu maatii godhachuun ijoollee soddonii torbas horachuu danda'ee jira. Seenaan Jeneraal Waaqoo Guutuufi gootota Baalee barreeffamee hin dhumu. Dachee gootota qofa biqilchite, Koloneel Aliyyii Cirrii, Waaqoo Luugoo, Koloneel Huseen Bunee fi gootota hedduu Baalee hoggayyuu seenaan hin dagatu. Dabalata Kitaaba Shallamaa (Seenaa Gootota Oromoo fi Kaan) fi Muhaammad (Seenaa Qabsoo fi Oromootaa) jedhu bal'inaan dubbisuun ni danda'ama! Qabsaa'an ni kufa, qabsoon itti fufa.

20. Baqqalaa Dawwaanoo (1952---Jiraatefi du'een hin beekamne)



"Qabsoo kana dhalootan naaf gahaa"

Baqqalaa Dawwaanoo abbaasaa Baraanbaraas Dawwaanoo Heebanoo fi haadha isaa aadde Ayyaane Cabsii irraa bara 1952 godina Arsii Lixaa, aanaa Dodolaa, ganda Dannabaa, araddaa Birbirsatti

dhalate. Abbaan isaa Baraanbaraas Dawwaanoon beekaa Oromoo nama dandeettii addaa qabu ture. Dandeettii fi beekumsi isaa kunis ilaalamee filamuun bulchaa gosa torbaa (Gannaalee Awuraajjaa) ture.

Mootummaan Dargii kaayyoon isaa ganamaa beektota Oromoo fi namoota dandeettii qaban naan mormuu danda'u....., jedhee of keessa waan bir'atuuf of jalaa fixuu ture. Baraanbaraas Dawwaanoos carraadhumaa kanatu isa qaqqabe. Oromootni beektota jedhaman iccitiin guuramanii mana hidhaa Gannaalee geeffamuun hidhaman. Turtii muraasa booda garuu namoota 12 waliin rashanamuun Adoolessa, 10, 1969 boolla tokkotti biyyeen irra dacha'e. Roobalee (2015:146 maxx.5ffaa A.L.A) yoo ibsu,

Dargiin aangoo mootummaa isaa akka harkaa hin baaneef sodaatee shakkiidhaan, baadiyaa fi magaalaa keessaa ijoollee abbootii lafaa, namoota mormii fi jijjiirrama siyaasaa barbaadan adamsee qabuudhaan maqaa "Duula Goolii Diimaa" jedhamuun namoota hedduu ajjeesuudhaan lubbuu isaanii balleesse.

Akka ragaalee madda gara garaa irraa argamanitti, Dargiin bara 1966 hanga 1970 (A.L.H) hayyoottan Itoophiyaa lakkoofsan gara Kuma Dhibba Shaniitti (500,000) dhihaatan gara jabinaan rasaasan walitti qabee ajjeeseera, jedhamee timaamama.

Obboleettiin Baqqalaa aadde Maariyaam geemoo keessa ishee aariin guutameen imimmaan harcaasaa yoo dubbattu, "Abbaa keenya reeffa isaa fudhannee awwaalu mitii ijaanuu arguu hin dandeenye" jetti. Guyyaa abbaashee ajjeesan kana mana isheetti iddoo araasii taatee ciistutti reebamuun....., "Ati galaa obboleessa keetiif geessita. Mootummaa kana diiguuf deemtu. Rasaasa abbaa keetiin ajjeesne kaffali" jedhamtee dararaa argaa turte. Du'a abbaashees namootarraa "Akkana godhanii ajjeesan" yoo jedhan dhageesse malee gad baatee ilaaluuf isheen isakkuma abbaashee akka taatu beekti ture.

Ilmi Baraanbaraas Dawwaanoo, Baqqalaan yeroo abbaan isaa Gannaaleetti hidhamee ture, Gannaalee cabsuun abbaasaa baasuuf obboleewwan isaa Saatanaa fa'i waliin yaalaa ture. Maariyaam obboleettiin isaa yeroo galaa ergituufitti xalayaa isheef barreesseen, Waraana Sumaalee Biiltuu waliin walitti dabalamee kan jiru, Gannaalee cabsee abbaasaa baasuuf yeroo dhihoon akka hafee turetti naaf dhaame jettee dubbatti. Abbaan isaanii "Harka hin kennadhu" jedhee waan dideef....., waraanan qabamee hidhaa Gannaaleetti darbatame. Maatiin isaaniis halkanii guyyaa dararaan itti hammaannan gargar bibittinnaa'an. Qe'een kabajaa, qe'een nama guddaas ona taatee mujjaa ofirratti biqilchite.

Haati Baqqalaa aadde Ayyaane Cabsiis dararaa nuffitee qe'ee isheerraa asii fi achi raafamaa turte. Dararaan mootummoota darbanii dabaree itti wal furee, dargiin abbaa manaashee ajjeese. Wayyaaneen ammoo ilma ishee Baqqalaa fuudhee fuula duraa dhokse. Haati dhiiraa gooticha miixattee deesse dhabde. Erga ilmashee Onkololeessa 1985 harkatti galfatanii kana buutee dhabamsiisanii as "Ilmi kiyya naaf gala moo ni hafa? Miixadhee ciniinsuun daheen dhabee? Du'ees baree hirmii koo baafadhee garaa koo hin kutanne. Jiraatees ijaa fi seeqata ilkaansaa san hin agarre" jechaa gubachaa ijjishee boqonnaa dhoowwitee, har'a naaf galinnaa? Bor naaf galinnaa jettee osoo ala eegdu gubatuma kanaan boqotte. Haadha gootaa!

Baqqalaan gosa Hodhitsuuti. Balballi isaa Baddeessoodha. Obboleewwan 12 waliin dhalatee kuuwwan qabsoodhumarratti jalaa dhuman. Dheeressaa, Maariyaam, Saatanaa, Abraaham fi kkf oolantummaa seeraa fi mirga Oromoof falmaa dararaa cimaa argaa turan. Saatanaan lubbuu ofiis itti dhabe. Baqqalaan garuu lachuu dhabe. Ilmaan Baqqalaa haadha manaa isaa aadde Abarraash Geetachoo irraa horate, Reegan, Ida'oo, Roobduu, Abdiisaa fi Firoomsaan barbaacha abbaasaaniif manaa ba'an hanga har'aa faanni

miila isaanii hin qoorre. Dararaadhuma wayyaanee dadhabanii baay'een isaanii yeroo ammaa baqatanii biyya Ameerikaa jiraatu.

Baqqalaan yeroo ijoollummaa isaatti maatiisaaf loon tiksaa guddate. Sirbi aadaa yeroo kana inni sirbuufi jechootni haaraan humna qaban dubbii afaan isaa keessaa bahan calaqqee gochaa fuulduree isaa sirriitti ta'ee jira jedha obboleessi isaa obbo Dheeressaa Dawwaanoon. Hawaasa naannoo biratti baay'ee kan leellifamuu fi eessatti ba'a jedhamee eegamaa kan tureedha.

Umriin isaa barumsaf yoo gahu, bara 1962 Mana Barumsaa Makaana Iyyesuus sad. 1ffaa (Mishiinii) tti galmaa'e. Barnoota isaatti dandeettii addaa kan qabu Baqqalaan kutaa 1-6 sadarkaa 1ffaa bahaa turuun, manuma barumsaa kanatti xumure. Kutaa 7-8 Mana Barumsaa G/galeessa Dodolaatti barate. Kutaa 9-12 ammoo mana barumsaa Dodolaa Sadarkaa 2ffaatti barate. Bara 1975 qabxii gosa barnoota sadii, herreega, fiiziksii fi kemistirii fooyyeffachuun qabxii olaanaa fiduun 1976 Yuunivarsitii Finfinnee Araat Kiiloo seene.

Bara 1980 Digirii Jalqabaa Barnoota Ji'oolojiin eebbifame. Ji'oota muraasa hojii mootummaatti qacaramee erga hojjatee booda gara biyya Jaarman deemuun waggaa lama baratee Digirii isaa lammataa Ji'oolojiidhumaan fudhate.

Waggaa lamaan kana booda 1983 biyya isaatti deebi'ee....., gara dhumaarra qabsootti seenuun shira wayyaaneen xaxxuun falmuu eegale. "Roorroon adda bahee ummata Oromoo qofa roorressu dhaabbachuu qaba. Naafxanyaan Dargii dhiiga lammii koo dhugaa ture. Dabaree nutti darbanii dhiitanii nu bitu. Wayyaaneenis akkasuma. Lafti isaan irra taa'anii nu fixan kun kan Oromooti; dachiin isaan irraa nyaatanii garboota isaanii nu godhatan kun kan Oromooti. Nuti Oromootni irraa nyaatnee hin quufne. Lammiin koo baay'een

beela'ee jiraata. Lafuma keenyarratti nu ajjeesu." Jechuun falmiif manaa bahe. ..

Miseensa ABO tti dabalamee, waliin mari'achuun tooftaa wayyaanee ittiin balleessu barbaaduu jalqabe. 1984 akkuma ABO n chaartarraa dhiibamee ba'een aangoo walii qoqqoodanii Guutamaa Hawaas fi Baqqalaa Dawwaanoon gara Baalee qajeelan. Miseensotni ABO yeroo kanaa Leencoo Lataa, Galaasaa Dilboo, Diimaa Nagahoo, Waaqoo Guutuu fi kkf hedduudha. Alaabaa ABO har'aa kanas babal'isanii dachee hunda waliin gahanii kaayyoo qabsoo Oromoo isaanii galmaan gahuu fi akka lafa qabatu taasisuuf sochiin gochaa turan olaanaadha. Oromiyaa guutuu kakaasanii gara qabsootti fidan. Qabsoon Oromoo wayyaanee irratti taasifamee bara 2010 kufaatiif isa saaxile kunis bara sana eegale.

Baqqalaan yeroo sana Guutamaa Hawaas waliin tokko ta'uun kutaalee Baalee Dodola, Heeraro, Adaabbaa, Diinshoo, Roobee, Gobbaa, Barbarree, Gooroo, Agaarfaa, Alii, Ginniir, Gaasaraa fi kkf hunda keessa deemee Oromoota akka isaan mootummaa abbaa irree 'dictator' kanatti dammaqan sochoosaa turan.

Bara 1984 gara dhumaarra gareen Guutamaa fi Baqqalaa waraana wayyaanee 180 ta'an waliin lola cimaa baname irratti, barsiisotni qabsoo isaanii keessa turan, hedduun dhumatanii kan wayyaanees hedduun galaafataman. Guutamaan Hoogganaa waraanaa yoo ta'u....., miseensi isaas 600 ol ta'u ture. Waraanni Baqqalaas iddoo Allumaa Shifaa jedhamutti kaampii waraana Guutamaatti walitti dabalamuun wayyaanee bahaa fi gala dhoorkan. Waraanni wayyaanees iddoo Allumaa Shifaa jedhamtu kana qabatee socho'uu dide. Baqqalaan irra caalaatti tooftaan ittiin diina adamsu odeeffannoo hawaasa isaarraa guurrachuun yoo ta'u, lafti Baalees uumamaan lolaaf mijataa ta'e baay'ee isa gargaaree ture. Keessumattuu iddoo

dhalootasaa kan ta'e, lafti golbaa fi leeshoo gamaa gamana jedhamu gaarri fi bosonni daggalaa baay'ee isa deeggaree ture.

Boodarra wayyaaneen sochii uummata Baalee fi waraana ABO gadii gara oliitti qulqulleessaa deemuuf jecha karaa daangaa Sumaaleen, gara Ginniiriin waraana konkolaataa hedduu ergite. Dubbiin tunis Guutamaa fi Baqqalaa gurra buute. "Marfamtanii jirtuu maal godhii garraa teessu? Maal gootu achii diinni sin marsee jiraa" kan jettu ummata Baalee irraa dhaamsi dhaamamteef.

Akkuma kana dhagahaniin Guutamaa fi Baqqalaanis waraana isaanii fudhatanii....., waraana wayyaanee san of jalaa cabsanii..... gara Sumaalee ce'uuf itti qajeelan. Yaa ta'u malee, karaa xinnoo erga adeemanii booda wal mari'achuun Guutamaan Baqqalaadhaan "Ati ol deebi'ii karaa Keeniyatiin ba'i. Milkoofti baatus, duutus ati gara Keeniyaan yaali. Anis karaa Sumaaleen yaala. Du'us, jiraadhus nagaatti," jedheenii fuula marartee fi xiiqii qabatee giimiin keessaa ol boba'uun wal gaggeessan. Yeroo dhumaatiif adda bahuun isaanis kana turte.

Waraanni garee lamaanis yeroo dhumaaf gargar bahuuf dirqame. Imimmaan wal irraa haqaa "Yoo lubbuun jiraanne wal agarra. Yoo jiraachuu dhabnes fuula mana Rabbiitti wal agarra" jedhanii fuula dhiphuu yaadan guutamee aariin akka ibiddaa irraa laboobu fi mararteen imimmaan haqachaa yeroo dhumaaf wal gaggeessan. Ija fageeffatanii argaa yaadan yoo ilaalan yaa galaana yaadan yabaluusaa.....

Guutamaan Hawaas waraana isaa waliin karaa Dallootiin gara Sumaalee qajeele. Haa ta'u malee, kaayyoon isaas osoo galma hin gahin karaatti gufattee hafte. Kitaaba gulaaltotni Daraaraa fi Dr. Mohaammed ta'an (2008:132) yoo ibsu,

Akkuma beekamus yeroo sanatti waraanni wayyaanee fi Sha'abiyaa humna isaanii walitti qindeeffachuun waraana Adda Bilisummaa Oromoo dhabamsiisuuf lola guddaa yeroo isaan itti banan ture. Ebla 12 bara 1994 ttis kutaadhuma kana aanaa Dalloo Mannaa, naannoo Laga Dayyuu, bishaan Haxiballaa jedhamu irratti waraanni wayyaanee fi Sha'abiyaa kun lola guddaa WBO irratti bananiin lola hadhaawaa guyyaa sadiif ta'e keessatti akka gootaa lolee lolchiisaa erga tureen booda Ebla 14 naannoo Barraaq'bakka Dhukkee jedhamutti lola irratti taheen diinan marfamee harka hin kennu jechuun boonbii ofitti dhoosanii jaallan isaa arfan yeroos waliin turan waliin wareegaman. Isaan keessaa namni ba'ee fi qabammellee hin turre.

Guutamaa waliin yeroo kana kan wareegamte keessaa gootittiin dhalootan kutaa Shawaa turte aadde Qananiin qabsoo Oromoo keessatti WBO dhaaf wabii guddaa taatee jirti. Ammas gulaaltotni Daraaraa fi Mohaammed (2008:133)

Qabsooftuu biroon ka obbo Guutamaa waliin wareegamte aadde Qananiin jedhamti. Dhalootni isii kutaa Shawaati. Dubartoota qabsoo Oromoo keessaa qooda fudhatan keessaa dubartii akkaan murannoo fi hubannoota qabsoo qabdu yoo taatu, yeroo rakkisaa ka bara 1992-4 keessa duulli wayyaanee WBO tti hammaate keessatti gara kuteennan sodaa fi bir'aa tokko malee lafoota rakkisoo diinni marsee nu eeggatu keessatti hulluuxxee garaacha diinaa seenuun WBO ta jiraachisaa turteedha. Kan Sadaffaa obbo Tasfahuun kan naannoo Dhiha Oromiyaa Wallaggatti dhalatee fi Arfaffaan, Galataa kan jedhamuu fi dhalootan Baalee ta'aniidha.

Sababa Guutamaan qabsoo wayyaanee irratti finiinsefis wayyaaneen maatiisaa guutuusaa dararaa turte jirti. Obboleettii isaa Lukkuu Roobalee bara 1989 ji'a Ramadaanaa keessa iddoo Dandee jedhamutti looniin godaantee osoo jirtu manaa fuudhanii dararaa hamaa erga irraan gahanii booda rasaasa itti lakkaa'aanii ajjeesani biraa deeman. Namoota hedduu iddoo tokkotti ajjeesaa....., kaan mana keessatti ibiddaan gubaa turan.

Baqqalaan akkuma Guutamaan adda ba'ee ol garagaleen obboloota isaa fi hiriyooota isaa isa waliin jiran, Saatanaa Dawwaanoo, Dheeressaa Dawwaanoo, Ganamoo Roobaa, Kinniisoo Soolee, Waarituu Soolee, Muhaammed Duubee, Nageessoo Gafarsoo fi kkf waliinis adda bahuuf dirqame. Waraanni wayyaanee isa marsee sochii waan dhoorkeef gara Keeniyaa ce'uuf....., karaa isaaf mijatu tolfachuuf jecha, mana haadha buddeenaa isaa gara mana ishee qilee keessa jiru, gara araddaa Harannaa qajeele. Hiriyoootni fi obboleewwan isaa harka kennatanii mana hidhaa Gobbaa galan. Obboleewwan isaa keessaa Dheeressaan waggaa 1 fi ji'a 6 hidhamuun dararaa hedduu dhamdhame. Saatanaan garuu reebichumarraa kan ka'e, yeroo dheeraaf dhukkubsatee bara 1996 boqote.

Baqqalaan mana haadha buddeenaa isaatii gara Keeniyaa imaluuf osoo jedhu, hiriyoootuma isaa harka kennatan keessaa tokko Goobanaa ta'ee wayyaanee irraa maallaqa nyaachuun iddoon inni jiru himame. Baroota darban hedduu keessatti mootoliin Oromoodhuma maallaqa nyaachisanii Oromootumti ofumaa dabarsanii akka wal kennan taasisaa turan. Jabana darban qofa osoo hin taane...., hanga har'aattillee inni kun Oromoota biratti dhibee dawaa dhabeedha. Seenaa Oromoon Oromoo maallaqaa fi faayidaalee biroon gowwomfamee dabarsee wal kennuu gad fageenyaan hubachuuf seenaa Minilik Oromoo Shawaa 1870 irraa kaasee itti fufee fi Oromoo Arsii 1881-1886 ilaaluun barbaachisaadha. Kitaaba kana keessattis seenaa Roobaa Buttaa keessa kan jiru fakkeenya birooti. Harkumaan harka nyaachise.

Baqqalaa dawwaanoon sanyii Goobanaa kanaan himamee booda mana haadha buddeenaa isaatti ganama suphii, Onkololeessa 14, 1985 waraana wayyaanee 100 ol ta'uun marfamee qabame. Gara magaalaa Dodolaa geessanii murtii ummataa irratti fudhachiisan. Kuuwwan ni boo'u. Kaan ni aadu. Kaan mar'imaan guduunfatanii keessa isaanitti

boo'u. Warri diinaa ammoo keessi isaanii gammadaa simatan. Ummata fuulduratti baasanii "Murtii kennaa," jedhaniin. Harki caalu "Yaa hidhamu" jedhan. Gad nuuf yaa lakkifamu yoo jedhan isaanis akka itti dabalaman waan beekaniif. Naafxanyootni fi Wayyaaneen ammoo "Yaa rashanamu" jedhanii iyyan. Jarris Dodolaa fuudhanii gara Gobbaatti dabarsan. Gobbaatti ji'a 3 erga hidhanii booda iddoo obboleewwan isaa jiran kutaa leenjii Agaarfatti jijjiiran. "Ji'a 6 f Agaarfaa erga waliin turree nuti biraa yaasanii nu galchan" jedha obboleessi isaa hangafaa obbo Dheeressaan.

Mana hidhaa keessa yeroo turetti OPDO baay'ee jibba ture. Akka sareetti isaan lakkaa'a. "Isin warra karaarra hin jirre. Maal na leenjistu? Anatu sin leenjisa guyyaadhaf malee. Isin warra yoomuu isiniif hin galle. Garaa keessan qofa guuttadhaa. Najisoota. Warra haqa osoo argu awwaalu. Ani du'us dhalootni kitilli duubaa dhufu wabii kooti. Qeerroon ani ijaare na duuba jiru galaa fi galaana. Seenaa kiyya duubatti dhiifadheera hin gaabbu," jedhee gahee isaanii itti himaa ture. Yeroo isaan galma oddoo leenjii keessa jiru keessatti ummata walitti qabanii leenjisanis Baqqalaan tika waraana isaanii harkaa humnaan bahee osoo isaan "Adaraa seeraa hin bahin" jedhaniin didee ummata walitti qabame kana bira dhaqee waa'ee ABO barsiisa ture. Hawaasni jechoota afaan isaa keessaa bahu dhaggeeffatanii hin quufan. Akka Dheeressaan jedhutti jechootni isaa ummata booji'ee namootni osoo isa dhaggeeffatan afaan bananii hafu. Isaan kaan ni boo'u. Kuuwwanis mataa raasaa jireenya isaa boriif boo'u. Kuuwwan lafa ilaalanii hidhii xuuxaa hafu ture. Waa'ee Bilisummaa barbaachaa, waa'ee sirna darbee....., adeemsa sirnichi dhufe itti adeemu, tarsiimoo ce'umsaa guutummaatti yeroo barsiisu barsiisummaan akka Waaqayyorraa eebban laattameeffitti ilaalu.

Boodarra erga obboleewwan Baqqalaa mana leenjiitii ba'anii booda wayyaaneen fuutee kana buutee isaa dhabamsiifte. Ergasii hanga har'aatti

Baqqalaa Dawwaanoo du'ee fi jiraatee isaa sinbirrilleen hin raagne.

Obboleessi isaa Dheeressaan akka jedhutti namootni hidhaa wayyaanee keessa turtii dheeraa turanii ba'an shakkiin yoo dubbatan akka naannoo Tigraayitti lafa jalatti hidhamee jiruuti. Akkasumas odeeffannoo ija tokko irratti dhiibbaa geessisuun....., qaama hir'uu godhanii siyaasa isaanii akka hin busheessineef dhoksan jedhu, shakkiin ni dubbatama jechuun himu.

Yeroo leenjii Agaarfaa waliin turretti "Adaraa ijoollee tiyya naaf guddisaa; ana jarri akka na hin jiraachisne beeka. *Qabsoo kana dhalootan naaf gahaa.* Isinuu wayyaaneen hin jiraachistuu hanga jirtan wal'aansoo irraa duubatti hin deebi'inaa" jedhee adaraa natti dhaammate jedhee sagalee mararteen dubbata Dheeressaan.

Walumaagalatti, Baqqalaa Dawwaanoo umrii isaa 33 tti wayyaaneen qabamee kana buuteen isaa hanga har'aatti kan dhabame yoo ta'u....., obboleewwanii fi ilmaansaa "Du'u lafee isaa arginee akka hirmii baafatnu, jiraatu jiraa isaa arginee akka haara galfannu biyyi inni qabsaa'eef Oromiyaan nutti birmadhaa" Jedhu. Waaqayyo jireenya isaaf murtii yaa kennu.

21. Abbaa Jifaar Abbaa Gomol (1852-1926)



"Waan baraa hin beekan; barree achi keenya"

Jechi "Abbaa Jifaar" jedhu yeroo dhagahamu, dachee magariisa, saba jaalalaa fi kabajaa, saba keessummaa fi rakkataa nyaachisee obaasu, saba kan daare daara baasu, warra Jimmaatu yaadatama. Dachee

handhuura bunaa, dachee mootii beekamaa biyyaaf laatte.....
Jimmaatu yaadatama.

Jimmaan bara dur, yeroo Oromoonni Gadaan bulaa turan, sirna Gadaan bulaa turte. Akka sirna Gadaatti ammoo dubartiin bulchiinsaf aangoo gubbaa hin baatu ture. Ta'us Jimmaan bar san sirnicha keessa dubartii "Waaqee" jedhamtuun bulaa akka turtee fi Waaqeen mootii cimtuu bulchiinsa ishee gad dhaabde akka taate seenaan ni hima. Mootoliin dur irraa kaasanii bulchaa turan, Abbaa Farroo, Abbaa Magaal, Abbaa Raasaa, Abbaa Jifaar Guddaa fi Abbaa Jifaar fa'i turan. Abbaan Jifaar Guddaa seenaa Jimmaa keessatti nama beekamaa ture. Abbaan Jifaar gara aangootti osoo hin dhufin dura Jimmaan, Jimmaa Kaakkaa jedhamtee waamamaa turte. Abbaan Jifaar Guddaa ammoo bara 1830-1854 waggoota 24 f mootii Jimmaa ta'ee bulchaa ture. Isheetuu (2001:212-3)

Jimmaan waggoota dheeraaf naannoo waggaa 58 Abbaa Jifaar Abbaa Gomoliin bulaa turte. Abbaan Jifaar abbaasaa Daawud Alii ykn Abbaa Gomol Abbaa Booqaa fi haadhasaa Haliimaa Aanshaa irraa bara 1852 dhalate. Maqaan isaa jalqabaa "Muhaammad Usmaan" ture. "Tulluu" nis maqaadhuma isaa akka ta'e keessa beektotni ni himu. Kunis hojjaadhuma isaa baay'ee dheeraa ta'e M 2.10 kan ture irraa ka'ee moggaafameef. Abbaa Jifaar kan jedhu ammoo maqaa Farda isaatiirraa moggaafameef yoo ta'u....., maqaa kabajjaa guddaadha. Jifaar Farda isaa ture.

Abbaan Jifaar nama baay'ee dheeraa, bareedaa, mootii waggoota danuuf Jimmaa bulcheedha. Dheerinnii fi bareedinni isaa wal utubee yeroo socho'u....., qalbii namaa booji'a. Ulfaatinni isaa ammoo kg 150 ture. Gosa Diggoo kan ta'e Abbaan Jifaar mootichi Jimmaa haadha warraa 6 fuudhuun ilmaan dhiiraa 8 fi shamarran 6 s horatee jira. Dhalatee umriisaa waggaa kudha saddeettaffaatti aangoo

bulchiinsaa qabate.

Bara 1875 abbaan isaa Abbaan Gomol yeroo boqotu, Abbaan Jifaar ijoollee umrii waggaa 15 ture. Yeroo kana umrii kanatti guutumaa guututti aangoo bulchiinsaa kan abbaa isaa fudhatee bulchuu hin dandeenye. Kanaaf jecha haadhasaa fi maatiisaa waliin wal ta'anii waggaa Sadiif Jimmaa bulchaa turan. Kana booda yeroo umriin isaa waggaa 18 guutu bara 1878 irraa eegalee guutumaa guututti aangoo bulchiinsaa abbaasaa fudhatee Jimmaan bulchuu itti fufe.

Masjiida "Masjiida Afurtama" jedhamee Jimmaa keessatti beekamu bara mootummaa isaatti ijaarsisee ture. Akkasumas Musliimonni yeroo Hajjiif Makkaa deeman, bakka haara itti galfatan dhabanii akka hin rakkanneef....., Maartireezaa kuma 75 niin Saawudiitti gamoo akka ijaarsisan (Shallamaa, 2011) kitaabasaa keessatti ibsee jira.

Weerarri Minilik lafa babal'ifannaaf taasise, ganticha Goobanaa Daaccee fi Raas Walda Giyoorgisiin hoogganamu bara 1887-88 Leeqaa Naqamtee akkuma cabseen gara Shanan Gibeetti qajelee. Mootummoonni Oromoo Shanan Gibee jedhaman, Limmuu, Jimmaa, Gommaa, Gummaa fi Geeraa dha.

Bara kana mootii Jimmaa kan ta'e Abbaan Jifaar waraana malee Jimmaan bulchiinsa Minilik jala akka galuu fi gibiras waggaa waggaan akka ergu itti walii galee ture. Taabor Waamii (2008:499) yoo ibsu, "Mootummoonni Oromoo Gibee Shanan Limmuu, Jimmaa, Gummaa, Gommaa fi Geeraa dha. Mootummaa Jimmaa malee galeen ala kanneen hafan waggoota hedduuf weerara dura dhaabbatanii ofirraa ittisuu yaalanis, dhumarratti garuu hundi isaanii moo'amanii Minilik jala galaniiru."

Jimmaan garuu waraana malee Minilikiin qabamtee gibira kafaluuf dirqamte. Yeroo kana Minilik Abbaa Jifaarif xalayaa barreessee ture.

Xalayaan Atsee Minilik Abbaa Jifaarif barreesse keessaa tokko akkas jetti, Isheetuu (2001:215-16)

ሞፃ እንባ ስዳሞንገደ ይሁዳ ታግግድ ምኒሊክ ሥዩመ እግዚአብሔር ንጉሠ ነገስት ስዲት፡፡ ይድረስ ካባደፋር እንዲት ሰንብተዋል፡፡ እኔ እግዚአብሔር ይመሥገን ደህና ነኝ፡፡ እስከሁን ባገርህ ግብር እምግ እያልኩ ግብር ተቀበልኩህ፡፡ አሁን ግን ካንተ ወዲያ ያለዉ ሃገር ሁሉ በኛ እድ ከሆነ እንግዲህ ነፍጥ እየሰጠሁ እንደራስ ወልደ ጊዮርጊስ፣ እንደነደጃች ተሰማ፣ እንደነደጃች በሻህ አሰድርክለሁ እንጂ፣ እንደ እርሞ አላሳድርህም፡፡

ሃገር ግን ዛሬ ብሩ ቸግርኛል ባገርህ ያላ ነጋዴ ሁሉ ሲሆን፣ ሃያ አልፍ አስዚያም አስር አልፍ ብር እያጣምና ከነጋዴውም ተበድረህ ካገርህም ባለጠጋ (ተነጋግረህ ተግብሩ) ፈልገህ ሲሆን እምስት አልፍ አስዚያም ሶስት አልፍ ብር እንድታመጣልኝ ይሁን፡፡ ዛሬ በችግር ጊዜ ያልሆንክልኝ ለመቼ ጊዜ ትሆንኛለህ? ጌላ ግን ይህ የተነገርኩት ቃል እንዳይቀርብህ ይህ፣ የሰደድኩልህ ደብዳቤ፡፡

Kana jechuun, Moo'aa Anbassaa (Sanyii Leencaa) dhala Yihuudaa irraa kan dhufe Minilik Lammaffaa Mootii Moototaa Itoophiyaa kanan ta'e, nageenyi koo si haa gahu Abbaa Jifaar akkam jirta? Ani nagaa kooti Waaqayyoon yaa galatoomu. Hanga ammaatti biyya keetitti gibira fidi siin jechaa gibira sirraa funaannadheera. Amma garuu biyyi siin ala jiran hunduu, harka keenya yoo ta'e, Nafxii (qawwee) siif kennaa akka Raas Walda Giyoorgis, akka Dajjaach Tasammaa, akka Dajjaach Baashaattin si bulcha malee, akka Oromootti si hin bulchu.

Haa ta'u malee, har'a garuu birrii rakkadheera; namoonni biyya kee keessa jiran hunduu daldaltoota waan ta'aniif, Ilfi (baay'inaan) Digdama kan ta'e, yoo hin taanes qarshii Ilfi (baay'inaan) Kudhan kan ta'e, hin dhabduutii, daldaltoota irraayis liqeeffatee, abbootii qabeenyaa biyya keetii waliinis dubbattee mirkaneessuun barbaaddee qarshii Ilfi (baay'inaan) Shan yoo hin taanes Ilfi sadii akka naaf fiddu yaa ta'u. Har'a guyyaa rakkinaa kan naaf hin taane....., yeroo kamiif naaf taata? Jechin dubbadhe kun booda akka si jalaa hin hafneef xalayaan siif barreessee dha. Kan jedhu ture.

Xalayaa kana keessatti baay'ee kan nama dhibu, Minilik

Oromoodhuma irraa gibira fuudhee, birrii liqeeffateet, deebi'ee ammoo meeshaa waraanaa siif kenneen akka saba biraatti, akka Oromoo fixxu si taasisa. Akka Oromootti si hin bulchu ergaa jedhu of keessaa qabaachuu isaati. Nafxii siif kenneen akka Baashaa, Tasammaa, Waldagiyoorgis fa'itti si bulcha jechuu isaatu raajidha. Kana jechuun ati Oromoo gatii Oromoo waraani jechuudha. Harkumaan harka mursiisuun, amala isaa kan ta'e ifatti xalayaa Abbaa Jifaarif barreesse. Abbaan Jifaar garuu akka xalayaan Minilik godhi jedhu Oromoo ganeewaraane osoo hin taane, dhiigni ilmaan Oromoo tokko akka hin jigne jedhee....., biyya gatee gara Saawud Arabiyaatti godaanuuf dirqame. Abbaan Jifaar boodarra umrii dheeraa jiraachuun bara 1926 boqote. Masjiida Afurtamaa magaalaa Jimmaatti argamu ofumasaatii ijaarsisetti awwaalame.

22. Galaanaa Nadhaa (1972-2006)



Galaanaa Nadhaa abbaasaa obbo Nadhaa Cawwaaqaa fi haadhasaa aadde Geexee Haacaaluu irraa bara 1972 godina Shawaa Lixaa, aanaa Liiban Jaawwii, ganda Tokkee Kombolchaa araddaa Abbayyii irratti

dachee kanaan wal bare. Obboleewwan dhiiraa 4 fi shamarran 7 waliin dhalatee guddate. Maatiin kun gosa gootaa warra Busa jedhamuudha.

Hundeen isaanii qabsoo ummata Oromoo keessatti qaanqee qabsoo dhamdhamachaa warra dhalaa dhalatti darbeedha. Dhalootuma dhiyeenya kanaa keessayis wasiilli Galaanaa kudha sagal saddeettamoota keessa riqicha ABO ta'ee....., qabsaa'ota danuu karaa dabarsee jira. Leetoo qajeeltoo, hiibboo tabsiisee jira.

Galaanaa Nadhaa sanyiin gootaa dabaree gahee dhalootaan carraan yoo geessu gootummaasaanii qooddate. Daa'imummaa isaatti nama gara laafessa, kan beekee akka fedha abbaa ta'u, ergamu ergaasaa yeroosuma kan galmaan gahu ture. Hanga umriin isaa barumsaf gahutti akkuma aadaa naannichaatti jabbilee fi Hoolota tiksaa guddate.

Yeroo umriinsaa barnootaf gahu bara 1982 M/B Baabbicha sadarkaa 1ffaatti galuun kutaa 1-3 barate. Kutaa 4-8 ammoo M/B Tokkee Irreessaa Sad. 1ffaa tti barate. Barnoota isaatti baay'ee cimaa fi sadarkaa 1ffaa kan gad hin dhiisne ture. Kutaa 9-12 ammoo gara magaalaa dirree qabsoo Ambootti imaluun M/B Amboo sad. 2ffaatti barate.

Ijoolleen Oromoo Kulkulchaadhuma qabsoo Oromooti. Galaanaa Nadhaa akka mana baruumsaa Amboo sad. 2ffaatti ce'een mana barumsichaa keessatti dhimma Oromummaarratti cimee cimsuu eegale. Gumii Dagaagina aadaa fi Afaan Oromoo adda dureen sochoosuun miseensa barattoota Oromoo kumaatama horate.

Baricha keessa, namni waan waa'ee Oromoo hojjatee fi waa'ee Oromoo gaafate kamuu, bifa siyaasaa fi diina mootummaa ta'et farrajama. Akka diinaatti ilaalama. Bara 1992 yeroo bosonni Baalee gubatu

fincilli qabsoo barattootaa Amboo adda duree ture. Galaanaan fincila qabsoo kana keessatti gahee olaanaa taphate. Wayyaanotnii fi poolisootni wayyaanee baay'ee isa sodaatu ture.

OPDO n magaalicha keessaa hundeen isaanii diina Oromoo ta'es....., baay'ee isa sodaatu turan. Galaanaan nama qaamanis ta'ee hojii isaatiin jabaa tureedha. Barnootanis baay'ee cimaa fi eenyu iyyuu dubbatee kan amansiisuudha. Poolisootni fi kaabinootni yeroo baay'ee shira irratti xaxan yoo isa dubbisan Afaan Ingiliizii malee itti hin dubbatu. "Maal jechuudha?" yoo jedhaniin "Hiikkadhu" jedheenii biraa sokka.

Sababuma waa'een eenyummaa isaa fi sabasaa yeroo hunda isa ququuqee dubbatuuf ganamaa galgala, bakki jireenya isaa mana hidhaa ta'e. Har'a yoo hidhame bor mana hidhaatii ba'a. Bariisaa ammoo mana hidhaatti deebi'a. Waan tokko yoo shakkan dursa OPDO n Galaanaadhuma mana hidhaatti darbatti. OPDO n yerichaa konkolaachisaan isaanii wayyaaneedha waan ta'eef, gara imalaniinitti imalti.

Yeroo baay'ee deddeebi'ee hidhamuu kanarraa kan ka'es, barattootni fi qabsaa'otni Amboo Galaanaa maqaa Masoo "Mandeellaa" jedhu moggaasaaniifii ittiin waamu.

Fuulli fi hojjaan isaa sun wal simatanii yoo ijratu bareedinni isaa akka waan uumamni qofaatti isaaf loogeti. Miidhaginni areeda isaas naatoo dabaleef. Jechi inni dubbatu, hojiinsaa guutummaansaa qalbii nama booji'a. Barnoota isaatinis dandeettii cimaa nama qabuu fi wabii fuulduree biyyattii ture. Kaayyoon wayyaanee yericha barattoota Oromoo dandeettiin adda duree ta'an, adamsuun Oromoon borillee beekaa isaaf falmu akka hin arganne gochuu ture. Seenaan Jaagamaa Badhaanees isa tokko. Keessumattuu naannofti Amboo fi Amboon

barnoota isaanifi qabsoon adda duree waan ta'aniif, kanaaf naannawa kanarratti yeroo hunda xiyyeeffatama.

Galaanaan yeroo hunda yeruma barataa ture kanatti, ooltee fi bulteen isaa wayyaanotaan hordofama. Manni isaa yeroo hunda sakatta'ama.

Bara 1994 yeroo fincilli qabsoo uummata Oromoo guutuu biratti adeemsifame fincila kana sintu kaase ykn haala mijeesse jechuun Galaanaa fi hiriyootti isaa Miliyoon Beellamaa, Hayiluu Dalasaa, Nagarii Dhaabaa, Kumsaa Shugguxii fi kkf hedduun isaanii mana hidhaa yerichaa masaraa Mootummaa Ambootti hidhamuun baay'ee dararamaa turan.

Bara 1994 kana Galaanaan barataa kutaa 12ffaa ture. Keessumattuu bara kana hordoffii cimaatu irra ture. Qormaata biyyoolessa kutaa 12ffaa (seensa Yuunivarsiitiis) mana hidhaa masaraa Mootummaa Amboo kana keessatti fudhate. Barattoota Amboo fi qabsaa'ota mirga ofii falmatan danuu qindeessee qabsoo Oromoo keessatti kokkotee guddise. Sagantaadhaan siyaasan of ga'oomsuu fi ijaarsa irratti barnoota laataa ture. Gareen /Team/ isa jalatti guddatan.... barnoota irraa fudhatan hunduu har'a qabsoo Oromoo keessatti of gahoodha. Ijoolleen inni karaa qabsiise marruu kan imala isaa qabatan dandeettii siyaasaan bilchaatodha. Boriifis abdii biyya kanaati.

Galaanaan yeroo hunda xiyyeeffannoon itti kennamee, mana hidhaatti kan darbatamuuf hatee, saamee, sharafee yookiin shira namarratti hojjatee miti. Waa'eedhuma miidhamuu fi saamamuu ummata Oromoo kana yoo arge, yeelalaa waan deemufi. Kanaafis ciinca'ee keessi isaa gubata.

Kanaaf jecha yeroo mara carraa argatetti fayyadamee gaaffii kamuu gaaffachuuf duubatti hin deebi'u. kana, kan isa reebisee akka

hidhamu isa taasisu. Kun ammoo qabsoo Oromoo keessatti akka inni cichu isa taasise (qancarse). Bara 1995 qormaata biyyoolessaa firii olaanaa galmeessee darbe. Qo'annoo malee mana hidhaatti qorameet qabxii gaarii argate.

Akkuma qabxiin dhufeen bara 1995 kana Yuunivarsitii Maqaleetti ramadame. Galaanaadhaaf carraa isaa osoo hin taane..., maqaan isaa hanga oliitti ol darbee itti yaadameetuma Yuunivarsitii Maqaleetti akka ergamu kan ta'e, jedhu hiriyyootni isaa.

Maatii fi ilmaan Oromoo iccitii isaa beekan, "Yuunivarsitii kana hin deemin. Asumatti si barsiisna. Qabsoo Oromoo keessatti sochiin ati taasisaa turte adda durummaan beekamtii waan qabuuf wayyaaneen achitti dahoo godhattee si miidhuu dandeessi" jedhanii dhoorkan. Beekaniin yoo jalaa galan mitiiree? Galaanaan garuu "Maalan sodaadha? Ergan sodaadhee ammoo maafan haqa koof qabsaa'e? Deemun qaba" jedhee didee deeme. Osuma sodaatanuuf inni xiiqii qabatee bara 1995 Fulbaana gara Yuunivarsitii Maqalee imale. Yuunivarsitiin Maqalee hamaa ta'ee osoo hin taane, wayyaaneen kallattii sana dahoo godhattee iddoo ummatni Oromoo baay'inaan hin jirretti, Galaanaa miidhuu dandeessi jedhaniiti namootni kan isa dhoorkaa turaniif.

Kan shakkan hin hafne. Galaanaa gootichi qabsoo barattoota Oromoof riqicha ta'e, baatii sadi qofa Yuunivarsitii turuun Sadaasa 1995 xaxatee ba'uuf dirqame. Dhukkubsate jedhaniit barattootni hiriya isaa ta'an fuudhanii maatitti geessan.

Galaanan hin dubbatu. Na dhukkube jedhee hin himatu. Callisee qofa nama ilaala. Beela'e, dheebodhe hin jedhu. Nama adda baasee hin beeku. Qaxaleen ilma sabaa borumtaan isaa tirika Oromootaa ta'e kiyyo itti kiyyeeffameen dhumnisaa akkas ta'e.

Barattootni Yuunivarsitichaa hiriya isaa fi kanneen doormii isaa turan yoo himan, guyyaa balaa kanaaf saaxilamu kana gara galgalaarra Yuunivarsiitiirraa yaamamee bahe. Kara beekamuun osoo hin taane, karaa hin beekamneen qindeessanii fuudhanii deeman. Kana booda yeroo deebi'u doormii jalatti kufee kan jiru argine jedhu. Madaan qaama isarra jiru tokko hin turre. Qaamni isaa kan himu naannawa luqqeettuu irraan lilmoodhaan summatin akka waraanname mallattoo agarsiisu qofatu jira jedhu hiriyyootni isaa kun. Kun tooftaadhuma hojii wayyaanee barattoota Oromoo ciccimoo ittiin balleessaniidha.

Galaanan yoo barate borumtaan isaa Oromootaf wabii ta'ee, hidda gad fageessee nuun diiga jedhanii of duuba waan sodaataniif miidhamaaf laatan. Kun akkumà olitti tuqame, Galaanaa qofa osoo hin taane....., hundee barattoota Oromoo ciccimoo dhabamsiisanii bor nama isaanin falmu akka hin arganneef karoora itti yaadamee qophaa'edha.

Namni egeree biyyattii kanaaf wabii ta'u, namni hayyuu saba kanaa ta'ee saba bal'aa kanaaf furmaata ta'u Yuunivarsitii Maqaleetti shira xaxameen dhukkubsataa ta'ee ba'e. Abbaan Galaanaa Obbo Nadhaan ilmi kiyya yoo naaf fayye jedhee manneen yaalaa fi Hospitaala Leenca Gurraachaa, Hospitaala Amaanu'eel fi kkf danuutti waggoota 11 f yaalchisaa tureera. Sangoota moonaa qabu hunda fixee, firarraas hirphatee yaalchisaa ture.

Manneen yaalaas baatii, baatiin qoricha kennuufii malee dhibeensaa kana ni fayya kan jedhan tokko hin turre. Maatiin isaas har'a of bara, boru of beeka jechuun yaaluu fi qoricha fudhachiisuun alatti abdii kutatanii dhiisanii hin beekan.

Galaanaan garuu hin dubbatu. Dhibeen koo kana jedhee guyyaa tokko afaan baasee dubbatee hin beeku. Hin haasa'u. Callisee nama ilaalee hafa. Maatiinsaas dhibee hin beekamnee fi qoricha hin qabne ilma

isaanii kana waliin imimmaan dhangalaasaa dhukkubbii godaannisaa dhukkubsataa turan.

Dhibeen qoricha hin qabne dhibee wayyaaneen fiddeedha. Qorichi isaa ammoo tokkummaa ilmaan Oromoo qofa ture. Adeemsuma dhibeen itti cimaa adeemuun nyaata fi bishaan illee fudhachuu dadhabuu irra gahe Galaanan. Tooftaan wayyaaneen ilmaan Oromoo ittiin fixaa turte keessaa tokko summii nyaachisuudha; yookiin summii lilmoodhaan kennuufidha. Summiin isaan waraanan ykn nyaachisan kun yeroosumatti nama hin ajjeesu. Qaama namaa fi sammuu namaa dadhabsiisaa erga dhufee booda turtii waggaa muraasaatti ajjeesa. Tooftaan kun tooftaa akka shirri isaanii irratti hin baramneef fayyadamaniidha.

Galaanaa Nadhaa gootichi haala suukaneessaa kanaan dadhabaa dhufee boodarra, Waxabajjii 14 bara 2006 du'aan dachee kanarraa boqote. Waxabajjii 15, 2006 mana Amantaa Bataskaana Mikaa'elaa Tokkee Irreessaatti awwaallame. Gumaan barattoota ilmaan Oromoo, ilmuma Oromoon deebi'a.


Aartist Galaanaa Gaaromsaa gootummaa fi quuqama gooticha Galaanaa Nadhaa akkasiin weeddise.

Sonee roobee, reefu sonee roobe tolee {2}

Sonee roobee Waaqayyo hin godaanuu

"	"	hurriidha godaansisaa
"	"	biyyeen Jaagamaa nyaatte
"	"	biyyeen Kabbadaa Badhaanee nyaatte
"	"	jiruun Galaanaa Nadhaa goote
"	"	biyyeen Tasfaahuun Camadaa nyaatte
"	"	" Gaaddisaa Hirphasaa nyaatte
"	"	" Alamaayyoo Garbaa nyaatte
"	"	" Laggasaa Wagii nyaatte
"	"	" Daraaraa Kafanii nyaatte
"	"	" ilmaannan Amboo nyaatte
"	"	" numaafuu ni sodaachisaa.....

23. Kumalaa Jaatanii Alii (1933-1983)



"Jayni Malkaa; Qaroon Malkaa; Dureessi Malkaa!"


Jaatanii Alii abbaasaa aab Alii Tandhuu fi haadhasaa aadde Kaarruu Alii irraa bara 1933 godina Booranaa, aanaa Miyoo, ganda Meelbaanaa, araddaa Tabarii jedhamtu irratti dhalate. Umrii

daa'imummaa isaatti akkuma daa'imman hawaasa Booranaa kamiitti loon, re'oota fi hoolota tiksaa guddate.

Akkuma beekamu hawaasni Booranaa irra caalaan isaanii horsiise bultoota dha. Akkuma biyyaattillee Loon horsiisuudhaan sadarkaa olaanaa irra jiru. Booranatti abbaan loonii tokko, loon hanga 700 oliitti tiksu. Baay'ina loon isaanii kana irraa kan ka'e, loon nama biroon adda baasuun waan nama rakkisuuf, lakkoofsa qaama loonii irratti maxxansuuf. Sana booda lakkoofsi lama kan Guyyoo ti..... lakkoofsi sadii kan Diidaa ti..... jechuun adda baasu.

Kana malees, Oromootni Booranaa ollaadhaan wal beeku. Naannawa qe'ee isaaniiis ollaadhaan himatu. Ollaa abbaa loonii guddaan yookiin qabeenya dilbii qabuun. Fakkeenyaaf yeroo seenaan kun qoratamu keessatti, seenaa Kumalaa Jaatanii muraasa kan himan keessaa aab Diidaa Galgaloo isa tokko. Aab Diidaan ganda Meelbaanaa keessa jiraata. Ganda kana keessaa ammoo ollaa Guyyoo Godaanaa jedhamanii yaamamu. Guyyoo Godaanaa abbaa loon hedduuti.....

Kumalaa Jaataniin dirree akkas keessatti dhalate. Abbaan isaa aab Alii Tandhuu umrii daa'imummaatti irraa boqote. Hanga umriin isaa waggaa 11 ta'utti, haaluma aadaa Booranaa ijoollee hawaasa Booranaa itti guddatutti guddate. Obboleewwan dhiiraa Ja'aa fi dubaraa Tokko qaba ture. Gosti gooticha kanaa fi maatii kanaa Maccituu dha. Mee hidda latiinsa Oromoo Booranaa fi gosa Jaatanii caasaan yaa ilaallu.



Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa (1996; 169 - 173)

Bara 1943 mootiin Hayilasillaasee, ministeerri barnootaa ijoollee dhiirotaa Booranaa umriin isaanii barnootaaf gahe, gara Finfinneetti fidee mana barnootaa bultii addaatti akka barataniif ajaja dabarse. Haaluma kanaan..... Kumalaa Jaataniinis carraa kana argatee gara Finfinnee imale. Kutaa 1-9 Mana Barumsaa Madihaane'aalamitti barate. Barnoota isaatti baay'ee cimaa kan turee fi dandeettiin inni gam kamiiniyyuu qabu, akka ijoollee osoo hin taane, akka ogeessa beekaa ture. Haaluma kanaan itti fufuun M/B Sadarkaa lammaffaa 10-12 ammoo Jeneraal Wiingetitti xumure.

Yeroo kanatti barattoota isaa biratti....., hooggantoota fi hiriyoota isaa guutummaa biratti..... baay'ee jaallatama. Dandeettii fi ilaalcha qabuun baay'ee kabajama. Boodarras barnootasaa kutaa 12ffaa xumuruudhaan qormaata biyyoolessaa kutaa 12ffaa fudhate. Haa ta'u malee, Jaataniin akka carraa ta'ee, milkaa'ee qabxii giddugaleessa Yuunivarsitii Finfinnee isa galchu argachuu hin dandeenye. Kanaafis abdii osoo hin kutin, qo'atee qoramuun qabxii argachuu akka danda'u waan beekuuf, dhuunfaan qabxii isa hanqate guuttachuuf murteesse.

Taadhii Liiban barruu isaa Afaan Ingiliiziin (Jatani Ali An Outline of His Life) jedhu irratti akka ibsetti, yeroo kana, Antiropolojistii beekamaan aadaa Oromoo keessatti iddoo olaanaa qabu, Dr. Asmaaroom Laggasaa, qorannoo dirree sirna Gadaa Booranaa irratti gaggeessuu waan barbaadeef....., nama naannoo Booranaa argachuun dirqama itti ta'e. Kanaafis barbaachan nama, namarraan Jaatanii Alii waliin wal baran. Dr. Asmaaroomis gammachuu guddaan hojii kanarratti akka isa gargaaruuf baatiin mindaa qarshii 200 kafaluufin qacaruuf walii galan. Barnoota isaatis, irra deebiin fudhatee qabxii gaarii akka fidu gargaaruuf waadaa galeef. Kun ta'ee, ji'a Lama booda, Yuunivarsitiin Hayilasillaasee barichaa sababa hanqina baajataatiin Dr. Asmaaroomiif baajatni dirree qorannoo akka hin jirre beeksisan. Dr. Asmaaroomis baay'ee gadduun Jaatanii hubachiisan.

Jaataniin kana booda abdii kutannaa tokko malee, carraa biraa barbaaduu eegale. Kanumaanis bara 1954 irraa kaasee waggoota sadiif leenjii fudhachuuf koorsii kaadhimamaa qondaala poolisii Abbaa Diinaatti dabalame. Achittis, gahuumsa olaanaadhaan..... leenjii isaa erga xumureen booda qabxii isaatiin humna poolisii Itoophiyaa keessatti ajajaa dhibbaa Lammaffaa ta'uun eebbifame.

Jaataniin erga eebbifamee booda, bulchiinsa naannoo Gaamoo Goofaatti ramadamee waggaa Lamaaf tajaajiluun jijjiirrama guddaa fide. Jaalatamummaa guddaas hawaasa isaa irraa gonfatee jira. (Shallamaa, 2011)

Gaamoo Goofaa barasii Oomoo ammaatii, waggaa lama booda gara Finfinneetti jijjiirramuun waggootan Sadiif poolisummaadhaan tajaajile. Sana booda biiroo Poolisii Tiraafikaatti jijjiirramee, gargaaraa poolisii ta'uun, waggootan Shaniif tajaajile.

Bara 1958 Poolisii Tiraafikaan yeroo tajaajilaa turetti, poolisiin "Jaappaan" koonfiransii biyyoolessaa balaa Tiraafikaa akka addunyaatti konkolaataatiin gahu, irratti muuxannoo wal jijjiiruuf, Osaakaatti qindeessee ture. Itoophiyaanis koonfiransicharratti akka hirmaattuuf affeeramte. Haaluma kanaan Jaataniin ofisara Poolisii Tiraafikaa ajajoota olaano Arfan keessaa tokko ta'uun, koonfiransicharratti hirmaate. Konfiransii Osaakaa erga hirmaatee boodas garichi Loondanii fi Paaris daawwatee..... haala milkaa'ina qabuun xumurame. (Taadhii Liiban)

Jaataniin barnoota isaa dhaabbilee olaanaa barachuuf fedhii guddaa qabaatus, haalli osoo hin mijanneef ture. Boodarra garuu bara 1964 Yuunivarsitii Finfinnee galuun, gosa barnootaa Sooshaalistii jedhamuun barnootasaa barachuu eegale. Ta'us sababa jeequmsa baricha tureen bara 1965 barnooticha addaan kutuuf dirqame.

Baruma kana waggaa tokko Yuunivarsitiirraa erga xumureen booda....., gara Harar imaluun, magaalaa fi baadiyaa hawaasa naannawa Harar guutuu keessa naanna'uun, hawaasni aadaa hojii irratti qabu akka cimsatuuf hojiilee garagaraa barsiisaa, sagantaa misoomaa qopheessee hoogganuuni fi hojiilee hawaasummaa gurguddaa hojjatee ture.

Boodarra bara 1965 fi 1966 fincila guddaa barattootaa fi qote bultootaan mootii Hayilasillaasee irratti taasifameen, mootiin Hayilasillaasee sireerraa bu'e. Akkasumaan sirni Dargii gara aangootti ol ba'e. Ofisaronni namoota akka Jaatanii muuxannoo qabanii fi qulqullinaan hoogganan itti gaafatamummaa guddaan duula akka hooggananiif barbaadamuu eegalan. Kanumaan Jaataniin hoogganaa Koonyaa Areeroo ta'uun mudame.

Kumalaa Jaataniin erga hoogganaa koonyaa kanaa ta'ee booda, halkanii guyyaa hojjachuun, uummatni Booranaa gara guddinaatti....., gara barnootaatti akka dhufu, misoomni akka saffisuu fi qaroominni guddaan akka ta'uuf, jabinaan hojjachaa turee ittis milkaa'eera. Koonyaa Areeroo yeroo sanaa hoogganaa ture keessatti, buufata waliigalaa Yaaballootti dhaabee, buufata xixiqqoo Bulee Horaa, Meeggaa, Hiddii, Tuqaa fi Mooyyaaleetti argaman gurmeesse. Manneen barnootaa fi Koolleejjoota garagaraa dhaabsisee lammiin isaa akka itti baratu taasiseera. Namootni hin baranne kamuu akka baratan, akka jijjiirrama sammuu fidanii fi daandii teeknolojii irra deemaniif..... tattaaffii olaanaa taasise.

Akka maanguddoon Booranaa aab Guyyoo Booyyee dhalataa naannawa Jaatanii ta'e himutti, kallattii barnootaa irratti Kumalaa Jaatanii Alii fi Jeneraal Taaddasaa Birruu goota Salaalee wal fakkeessu. "Lammii barate qofa eessa iyyuu gahuu kan danda'u. Namni barate Addeessaa fi Urjii irrallee koolan balali'uu danda'a. Kanaaf

baradhaa” jechuun lallaba jedhanii ibsu. “Yoo barattan lafti keessanillee diinan isinirraa hin saamamtu” jechuun hawaasni Booranaa akka baratan taasisaa ture.

Jaataniiin hawaasa fi dargaggoota ofiisaatii fuudhee Mana Barumsaa geessa. Bara tokko namoota 63 fuudhee Mana Barumsaa geesse. Namoota 63 ‘n kana keessaa gosti Garba jedhamee Boorana keessatti beekamu, nama tokko qofatu ture. Gosa Garbaa kan ta’e, namni tokkichi barnootaf dhufe kun galee hawaasa isaa gorsee, bariisaa namoota hedduu kakaasee akka baratan taasisa. Namootni 62 Garba hin taane kunneen ammoo barnoota jibbanii M/B tii harca’an. Kanaaf jecha Jaataniiin yeroo hunda gadda guddaan itti dhagahamee, waa’ee barnootaa irratti gosa Garbaa kana fakkeenya fudhatee ummata gorsaa ture. Goota uummataasaa baay’ee jaallatuudha. Uffata ofirraa qabu baasee isa rakkateef kenna. “Kofoo gabaabduu hin uffatinaa” jedhee kofoo dheeraa bitee laataaf, jedhu maanguddoon Booranaa aab Diidaa Galgaloo waa’ee Jaatanii imimmaan harcaasaa yoo dubbatan. Lola ummatni Garbaa, Arsii, Gujii fi Booranni darbee darbee walitti bu’aa ture irratti, olaantummaa guddaa fudhachuun, tasgabbii irratti hojii gaarii hojjateera.

Jaataniiin boodarra gara ministeera biyya keessatti makamuun, tajaajiluu eegale. Ministeericha keessattis muudama garagaraatiin kanneen akka ministeera kutaa biyyaa, itti aanaa hoogganaa Jeneraala naannoo fi hoogganaa naannoo ta’uun tajaajileera.

Bara bulchiinsi Dargii mootii Hayilasillaasee kuffisee, aangooti ol ba’e, Dargiin rakkoo lafaan walqabatee jiru, furuuf jecha yeroof haaromsa taasisa ture. Yeroo kana abbootiin lafaa lafti irraa fudhatame, kan bara hedduuf ummata saamaa turan, maddi galii isaanii irraa dhaabbannaan iddoo hundaa wal gurmeessanii bosona seenan. Fakkeenyaaf Shirka irraa Baqqalaa Wagatoo fi seenaa Baalee

iddoo Allumaa Shifaa jedhamu kaasuun ni danda’ama. Haaluma kanaan abbootiin lafaa, naannoo Sidaamoo fi Gaamoo Goofaa irraayis aangoo Dargii qoruuf bosona seenan. Qaama sirna haarawa deeggaru, kamuu riphee loltummaadhaan miidhuuf iddoo filatanii Koonyaa Areeroo aanaa Taltalleerra qubatan. Jaataniiin garuu abbootii lafaa kanneen hawaasa fi milishaawwan itti qindeessee bosona keessaa dhabamsiisuuf torbee tokko itti hin fudhanne.

Kana malees, mootiin Somaalii sirna Hayilasillaasee keessa yeroo daangaa gara Itoophiyaatti babal’ifachuuf, waraana naannawa Booranaa, Areeroo fi kkf tti baneen, Jaataniiin qaama mootummaa irraa deeggarsa gaafatee, deeggarsichi yeroon qaqqabuu dhabee..... saamichii fi dhumaatiin lubbuu namaa danuu ture. Yeroo sana, Jaataniiin qonnaan bultoota gurmeessee waan danda’u hundaan of irraa faccisiisee jira.

Ummatni Booranaa guutummaan goota akkasii kana baay’ee jaallatu. Kan biroo yaa hafuu, yeruma maqaan Jaatanii dhahamullee, kan imimmaan coccobsuu fi mataa raasuun gaddaan guutamu hawaasa inni hojjachaafii ture guutuudha jechuun ni danda’ama. Gootichi kun jireenyi hawaasaa fooyya’uu qaba jedhee ofii kan isaa dhiisee, jireenya isaaniif qabsaa’aa ture. Ummata Booranaa isaan baadiyaa fi magaalaa gamtokkotti fidee dhaabbilee adda addaa..... dhaabuufin akka isaan itti fayyadaman taasisa jira. Fakkeenyaaf ijoollee horsiise bultootaaf iddoo qubannaa magaalaa keessatti ijaarsiseefii ture. Manneen barnootaa baadiyaa keessattii fi Jenereetaroota magaalaa Yaaballoof dhaabuun wantoota ciccimoo hojjateera. (Taadhii Liiban)

Kana malees, ummatni Booranaa yeroo kamuu daandii ammayyummaa akka qabataniif, lafti isaanii akka hin saamamnee fi akkasuma abbaa irreef bitamanii akka hin gabroomne.... ummata gorsaa ture. Akka Quuca Guyyoo jedhanitti yeroo baay’ee Boorannii fi

Sumaalee Garriin walitti bu'u ture. Garriin kun saamicha lafa Booranaaf jecha karoora baafatanii lolu. Ummatni Booranaa ammoo falmii hin jaallatu. Yoo gamteefii diddee itti dhufte garuu qolannaaf duubatti hin deebi'u. Kanaaf jecha ummatni Garrii kun lafa Booranaa yeroo saaman Jaataniin ummata Booranaa walitti qabe.

Ummatni walitti qabaman kunneenis uffata akka 'Gaabii' fi kkf uffatanii dhaqan. Jaataniin uummata kanaan "Gaabii keessan of irraa fuudhaa lafa irra afaa/diriirsaa/" jedhee ajaje. Isaanis ajajicha fudhatanii..... raawwatan. Erga diriirsan booda, "Amma gaabii keessan irra adeemaa" jedheen. Ammas ajajicha hoogganaa isaanii fudhatanii raawwatan. Jaataniin yeroo kana baay'ee aare. "Ani nama; isinis nama! Yeroo gaabii keessanirra deemaa jedhee sin ajaju, ofirraa fuutanii irra deemtan maaliif? Hin diddanii? Agartanii? Diinnis akkanumatti yoo lafa keessan saamu ni callistu. Gaabiin lafa diriirsitan kun lafa keessani. Qabeenya keessani. Maaliif tole jettanii irra deemtu? Garriinis kunoo akkasi! Osoo isin ilaaltan lafa keessan isinirraa fudhachaa jiru. Yeroo lafti keessan saamamu maaliif ofitti calliftu?" jechuun ummata Booranaa qabsoo barsiisaa ture.

Ummatni Booranaa loon horsiisuu qofa osoo hin taane..., hojii gama kamiyyuu daldalaa fi kan biroo keessas akka seenaniifi loon gurguranii qarshii Baankii galfachuun akka ittiin hojjatanis gorsuun itti milkaa'ee jira. Yeroo gammoojjummaan hammaate, loon jalaa dhumuu waan danda'aniif kallattii itti milkaa'uu danda'an irra imalchiise.

Kumalaa Jaatanii Alii akkuma ga'umsaa fi dandeettiin isaa dabalaa adeemuun qaamolee olaano birattis barbaadamuun isaa dabalaa dhufe. Akkaatuma kanaan itti aanaa hoogganaa waliigalaa yookiin itti aanaa mootummaa naannoo Iluu Abbaa Boor gochuun kutaa biyyattii Lixa Itoophiyaatti aangessan. Iluu Abbaa Boorittis hawaasa isaa waliin

waliigalee bu'uuraalee jireenyaa, kan akka daandii, riqichaa fi kkf hedduu hojjatee jira. Iluu Abbaabooritti hojjattootni yeroo hooggantoota isaaniif akka Waaqatti jilbiinfatan, yeroo gad jedhanii kufaniif "Kun maali inni? Hundi keenya iyyuu nama. 'Sagadni' Waaqayyoo malee namaaf miti. Nama kabajuu qofti gahaadha," jedhee seera isaanii gara walqixxummaatti fide. Haa ta'u malee, Jaataniin Iluu Abbaa Boor akka dhaqee hawaasan waliigalee hojii karaarra buufateen booda ji'a Ja'atti hojii harkarraa qabu kam iyyuu kennee..... gara Finfinnee deebi'uu akka qabu xalayaan isa geesse. Yeroo gabaabduu hammasii keessatti Iluu Abbaa Boorii eessattiiyyuu jijjiirramuu hin jaalanne ture. Garuu, tole jechuun ala filannoo biraa hin qabu.

Iluu Abbaa Boorii gara Finfinnee kan yaamaniifis gara naannoo Sidaamoo erguun rakkoolee gara Kibba biyyattii jiru akka furuuf ture. Kanaan Jaataniin aangoo olaanaadhaan Iluu Abbaa Boorii gara Sidaamootti jijjiirramuun hojii milkeessaa ta'an hojjateera. (Taadhii Liiban). Sirni Dargii gara dhumaatirra Itoophiyaa bifa addaatiin bulchiinsa naannooleetti qindeesse. Caaseffama bulchiinsa haarawaatiin koonyaawwan Booranaa fi Gujii isaan Sidaamoo jala turan, naannoo Booranaa jedhamanii walitti makaman. Yeroo kanatti Jaataniin bulchaa naannoo Booranaa ta'ee tajaajilaa ture.

Bulchiinsa isaa kana keessattis waggoota lama kan ture..... yoo ta'u, umrii sana keessattuu rakkoolee hawaasaa, rakkoolee hojjattoota mootummaa fi kkf hedduuf furmaata ta'ee hundeerraa buqqisee jira. Wantoota hedduu sisirreesse keessaa akka fakkeenyyatti isaan muraasni; jalqaba bu'uuraalee misoomaa irratti, buufata boba'aa peetiroomiyeemiiti. Rakkoolee hoteelaa fi hospitaala Nageellee fi kkf hedduu furee ture. Shallamaa (2011:345 maxx.4ffaa)

"Booranaa fi Gujiin tooran qabatanii mana akka ijarratan, magaalaa

akka hundeeffatanii fi bu'uuraaleen misoomaa akka guuttamaniif gorsa. Kana milkeessufis piroojaktii soortuu hundeeset ture. Pirojaktichi jireenyi horsiise bulaa akka jijjiirramu, rakkoon dheedaa fi bishaanii akka furamu carraaqeera."

Magaalaan Mooyyaalee daangaa Itoophiyaanotaa fi Keeniyaaanotaa irratti daandii guddaa biyyoolessaan Finfinnee irraa..... KM 775 irratti argamti. Magaalattiin maqaa wal fakkaataa tokko, Mooyyaalee Itoophiyaa fi Mooyyaalee Keeniyaa jedhu qabatee addaan baate. Magaalota Itoophiyaa daangarra jiranii fi Keeniyaa waliin Mooyyaaleen gama diinagdeetiin biyya keessatti gahee guddaa taphatti. Bittaa fi gurgurtaan meeshaalee daldalaa karaa magaalota lakkoolee kanaan adeemsifama ture. Abbootiin qabeenyaa daldala kana adeemsisan eeyyama mootummaa gidduu galeessa Itoophiyaa irraa argatu ture.

Kumalaa Jaataniin garuu kenna eyyamaa kana ifaan ifatti morme. Tokkoffaarratti, eyyamni hojii daldalaa karaa Mooyyaaleetiif kennamu, namoota naannoo, ulaagicha guutaniif ta'uu qaba. Lammaffaarratti ammoo, kanneen alaa dhufan waan argatan hunduma, fudhatanii deemuu hin qaban. Yoo xinnaate hanga ta'een naannoo misoomsuu qabu; jedhee falme. Dhimmi kun hanga mootummaatti deeme. Jaataniin ijjannoo isaatiin lachuu ni mirkaneessise.

Kumalaa Jaataniin guutumatti hawaasa tajaajiluuf of kenne. Hawaasa tajaajiluu malee ofisaatiif horii fi mana keessa jiraatu illee ijaarratee hin qabu ture. Bulchaa dhugaa haqaan ummatasaaf of kennee hojjate. Bulchaa Booranaa ta'ee waggoota lama erga tajaajilee booda bara 1983 mootummaan Dargii kufee, mootummaan wayyaanee aangoo qabate. Yeroo kana Jaataniin aangoo gad dhiisee gara bosonaa seene. Boodarra mootummaan wayyaanee "Jaatanii baasaa kennaa. Isatu

ummata Booranaa nurratti kakaasa" jedhanii ummatas dararuu eegale.

Hordoffii fi barbaachi ni cime. Dararaan ummatatti hammaate. Sababa kootiin ummatni koo hin rakkatin, hin dararamin jedhee gara Keeniyaa (Naayroobitti) baqate. Haa ta'u malee, mootummaan wayyaanee karoora guddaa irratti qabatee waan jiruuf hordoffii isaa hin dhaabne. Sababni kun ta'eef, mootummaan Mangistuu baqatee, mootummaan wayyaanee yeroo seene "Harka kennadhu" jennaan "Harka hin kennadhu" jedhee waan dideef ture.

Boodarra Jaataniin Keeniyaa keessa taa'ee..... WBO dhaaf gargaarsa meeshaaleen haala mijeessaa ture. Kanumaan osoo jiru, mootummaan wayyaanee namoota sadii sabummaan isaanii Tigree ta'eef, paaspoortii heyyama turistii baasissee Wattaalii fakkeessee..... gara Keeniyatti erge. Keeniyaa akkuma beekamu dirree turistootni irratti wal ga'an hedduu waan qabduuf eenyu iyyuu hin shakke. Warri tooftaa kana uummatanii Wattaalii fakkaachuun gara Keeniyaa imalan kun, Naayiroobiitti bu'an. Konkolaataan isaanii suuraa bineensotaan kan faayame ture. Osoo hin sakatta'amiin guyyoota sadiif haala naannichaa baruuf turan. Boodarras gara hoteela kumalaa Jaataniin keessa jiraatu "Ingiraataa" imalan. Hoteela kanatti Jaatanii yoo ajjeesan, Jaataniinis Tigree tokko ofirratti ajjeese. Tokko ammoo osoo baqachaa jiru, Taanzaaniyaatti poolisii ilma Dabbasoo Waabaraa jedhamuun qabame. Kan hafe ammoo ni bade.

Yeroo Jaataniin wareegamu kana Dooniin meeshaa waraanaa Jaataniin ABO dhaaf karaa Monbaasaan galchaa jiru baattee, qarqara lagaarra jirti. Jaataniin wareegameera. Boodarra meeshaa kana guutuu isaa mootummaa Keeniyaa fudhate.

Wareegamuu Jaatanii kan dhagahe ummatni Booranaa ni boo'e. Gar

malee gaddan. Yaa'anii gara Naayiroobitti garagalan. Oolmaa inni oolefitu tasgabbii isaan dhoorke. **Kumalaa Jaataniin bara 1983, ji'a Adoolessaa keessa Keeniyaa magaalaa Naayiroobitti, hoteela "Ingiraataa"** keessatti boqote. Ummatni Booranaa gaaffii yeroo garagaraatti yaadannoon goota keenya ittiin yaadannu jiraachuu qaba jedhanii gaaffachaa turaniin, Manni Barumsa Sadarkaa 2ffaa Yaaballoo maqaa gooticha kanaan akka yaamamu ta'ee jira.



Mana Barumsaa Sad. 2ffaa Kumalaa Jaataniin Aliin moggaafame, Magaala Yaaballootti

Gootichi jireenya ofii dhiisee, jireenyi kiyya ummata kiyya jedhee ummataaf of laate osoo hin fuudhin / bultii hin dhaabbatin/ addunyaa kanarraa shira wayyaaneen godaane.

24. Daraaraa Kafanaa (1927-1986)



"Ofumaa Paartii barbaaddan hordofuu dandeessu jettanii deebitanii shororkeessaa nuun jettan"

Abbaasaa obbo Kafanaa Firdii fi haadhasaa aadde Nagarii Gambee irraa bara 1927 godina Shawaa Lixaa, aanaa Amboo, ganda Hidhabuu Gaattiraa, iddoo addaa Humbii jedhamtutti dhalate. Abbaansaa iddoo

garagaraatti “Kafanii” jedhamee waamamaa kan ture, dogoggoraan gaazzexaa Urjii bara 1986 du’a Daraaraa booda, waa’ee isaa maxxanfame irratti Daraaraa Kafanii jedhee sababa ba’eefidha.

Gaazzexaan Urjii kun Afaan Amaariffaan kan maxxanfamtu yoo ta’u, yeroo baay’ee seenaa goototaa hojjachuu keessatti gahee guddaa gumaachaa turte. Yeroo Eebbisaa Addunyaa du’u haala du’a isaa, seenaasaa, eessatti fi akkamitti akka du’e maxxansee gabaasaa ture. Kan Daraaraa fi gootota hedduus dabalatee seenaa keessatti daandii hedduu baaseera. Boodarra garuu siyaasa gaggeessaa jirtu....., jechuudhaan dhiibbaadhuma wayyaaneettiin maxxansi gaazzexaa kanaa akka dhaabbatu ta’e.

Daraaraan goota Amboo warra maqaa guddaa sanaati. Obboleewwan hedduu waliin dhalate. Gosti isaa Abeebee Booranaati. Jireenya isaa keessatti haadha warraa lama, Assaggadach Balaayinaa fi Mastaawwot Mashashaa waliin bultii ijaarratee ijoollee hedduu...., Abbabech, Almaaz, Maskaram, Maqdas, Firdii, Guddoo, Dachaasaa, Baacaa, Dabalaa, Milkii, Dabrituu fi Yittaagazzuu jedhaman horatee jira. Mucayyoon isaanii hangafaa Abbabech Daraaraa weellistuu beekamtuudha. Sirba ishee “Baluu injii....baluu injii...” jedhuunis hawaasa bal’aatu beeka.

Daraaraa Kafanaa umrii isaa daa’imommaatti Farda gulufsiisuu, akka aadaa naannootti wal’aansoo wal qabaa, utaalchoo taphachaa guddate. Umriidhuma daa’imommaa kanarraa gochi isaa martuu hawaasa naannoo biratti baay’ee jaallatama. Bara umriin isaa barnootaf gahetti M/B Baashaa Abbooyitti galuun hanga kutaa 6ffaatti baratee jira. Haa ta’u malee...., jireenyasaa jijjiruuf jecha barumsa isaa addaan kutee gara naannoo Sidaamaatti imaluun hojiilee dhuunfaa hojjachaa ture. Sababa dhukkubaanis turtii yeroo booda gad lakkisuun gara magaalaa Adaamaatti imale.

Adaamaa akka galeenis hojii qonnaa fi daldalaa irratti bobba’ee diinagdeen fagaachuu cinaatti eenyummaa fi irriiittaa mootummoolii abbaa irree bara baraa jibbuun daakkaa qabsoos eegale. Naannoo Walancitii, Malkaa Hiddaa fi kkf tti lafa qonnaa kireeffatanii Koloneel Dajanee Simee waliin hojii qonnaa bal’aa hojjachaa turan. Koloneel Dajanee Simee dhalataa Dirree Incinnii kan ta’e, yeroo ammaa bulchiinsa magaalaa Adaamaa keessatti manni baruumsaa Dajanee Simee maqaa guddaa qaba.

Daraaraan nama beekumsa addaa qabuudha. Dandeettiin baay’ee yaaduu danda’uu isumaaf kenname jedhu maanguddoonni naannoo Amboo. Dargaggeessa, dargaggeettii, jaarsa eenyu osoo hin jedhin tasgabbii fi sagalee qabbanaa’aa ta’een, jireenya isaaniiif gorsa ture. Keessi isaa yoomuu waan gaariin guutama. Xiiqii fi roorroo qofa hin danda’u. Diinni ilmaan Oromoo isaaf diina lubbuusaa baaseedha. Xuqaatii ilmaan Oromoo hin jaallatu. Mootummaan Hayilasillaasee(Tafarii), Dargii fi Wayyaaneen isaaf warra gumaa guddaati.

Sababa kanaafis qabeenyi koo Oromoodha, Oromoon ofirraa diina yaa ittisuun jechuun ummata Oromoo hedduu isaanii hidhachiisuun....., H/sillaasee lolaa tursiiseera. Keessumattuu ummata Karrayyuu gara Baha Adaamaa jiran hedduu hidhachiiseera.

Magaalaa Adaamaatii hoteela fi suuqii garagaraa qaba ture. Bara 1964 haadhi manaa isaa aadde Assaggadech Balaayinaa haadhi aartist Abbabech Daraaraa boqotte. Daraaraattis gaddi guddaan dhagahame. Adaamaa gad lakkisee gara Shawaa Lixaa, aanaa Tokkee Kutaaayeetti akka imaluufis sababa ta’e. Lafa kanatti Tiraaktara qonnaa bitatee qonna eegale. Haa ta’u malee, 1967 mootummaan Dargii aangoo yoo qabatu lafti qonnaan bultootaf siyaasa jedhu baatee waan dhufeef lafa inni bitee qotuu fi tiraaktara isaa jalaa fudhate. Leelisaa, (2018:178)

saamicha Dargii kana yoo ibsu,

Mootummaan Dargii aadaa, afaan, amantii, diinagdee, hawaasummaa fi siyaasa irratti jeequmsi guddaan Oromoo akka gahu godheera.

Misoomaaf jechuun Oromoo qe'ee isaa irraa godaansisaa, buusii jechuun Oromoo saamaa, barnoota bu'uuraati jechuun Oromoo afaan hin beekneen Afaan Amaaraa barsiisuun jireenya Oromoo jeeqaa turan. Waraana jechuun ijoollee Oromoo waraanatti fixuu, imimmaan haadholii fi abbootii keenya dhangalaasaa, qabeenya Oromootti meeshaa waraanaa bitachaa bara jireenya isaa guutuu Oromoon utuu hiraarfamuu aangoo irraa dhidhime.

Gochi kun Daraaraa baay'ee aarse. Duuba deebi'ee yeroo ilaalu Hayila Sillaaseen ilmaan Oromoo saamaa, ajjeesaa, kolaasaa ture. Susinyoos irraa kaasee....., yeroo ilaallu mootummooliin darban baay'een isaanii Oromoof tola hojjatan hin jiran. Minilik harkaa fi harma muraa, kaan fannisaa, kaan ibiddaan gubaa ture.

Hayilasillaaseen akkasi, Dargiin ajjeesaa, fannisaa, reebaa, Afaan Oromoo nama dubbatu akka hin dhageenye gochaa ture. Kun wal guuree Daraaraan kutannoon mootummoota abbaa irree akka mormuu fi Oromoota akka gargaaruuf isa kakaase. Bara 1970 gara magaalaa Ambootti dhufee maashina zayitaa fi hoteela jabaa banate. Har'allee Amboo keessatti Hoteela Daraaraa jennaan daa'ima xinnoo ilma Oromootu beeka. Daraaraan hanga yeroo kanaatti iccitiin qabsaa'aa, iccitiin qabsaa'ota Oromoo bosona jiraatan gargaaraa ture. Qaama Oromoof mormu kamuufuu meeshaa waraanaa, galaa, qarshii, uffata halkanii fi kkf hunda gumaacha. Qabsoo Oromoo dagaagsa. Hawwiinsaa ilmi Oromoo bilisa ba'ee arguu qofa ture. Kanaaf Oromootatti qabeenya isaa hin qusatu. Of caalaa rakkataa Oromoof

dursa. Beektota Oromoos iccitiin waamee waa'ee qabsoo fuulduree Oromootaa mari'achiisa.

Wayyaaneen bara 1983 akka aangootti ol ba'een imala bultee isaa tolfachuuf hanga yerootti, labsii paartii siyaasaa fedha ofii kamuu deeggaruun mirga guutuudha jedhu labse. Daraaraanis kana booda, miseensa ABO ifaan ifatti ta'uun....., deeggarsa cimaa gochuu itti fufe. "Paartiin keenya paartiin Oromoo ABO dha" jechuun gargaarsa adda addaa gochaa ture. Sirni wayyaanee alli isaa mirga, keessi isaa bitaa, allisaa dimookiraasii keessi isaa birokiraasii....., keessi isaa abbaa irree ta'eedha. Paartii fedha keessanii deeggaruu dandeessu yaa jedhee labsuuyyu malee, dhugummaan isaa qola ashaaroti.

Kaabinee gandaatii eegalee hanga Federaalaatti, "Daraaraan ABO dha" jechuun, waltajjii irratti arrabsaa, doorsisaa turan. Inni garuu sodaa tokko malee fuuldura isaanii dhaabbatee ABO f galaa, meeshaa waraanaa fa'i geessaa ture. Gorsees karaa qajeelcha.

Jireenya ummataafis, akka ummatni Oromoo rakkoo hin agarre jedhee sochii ciccimoo taasise. Istaadiyoomiin magaala Amboo, M/B Cari Amboo, Buufata fayyaa baadiyaa fi magaalaa, daandii fi kkf yoo hojjatamu koree olaano ta'uun, hirmaannaa fi kaka'uumsa guddaan hojjatee jira. Kana qofa osoo hin taane, yeroo Qubeen Afaan Oromoo akka hin baratamne dhoorkanis ABO n chaartarraa dhiibamee bahee jira waan ta'eef, Daraaraan hanga dhumaatti BBO deemee namootas kakaasuun falmee ittis milkaa'eera. Afaan Oromoo balleessuu fi qubee afaanichaa balleessuu, akka Afaan Oromootiin hin baratamneef shira xaxamaa ture, irratti duubdeebii malee qabsaa'e. Yeroo garagaraatti manneen baruumsaa Amboo akka haaromfamaniifis BBO gaafatee "ABO" ittiin gargaaruuf jedhamee dhoorkatame.

Jaal Daraaraan kennaa addaa uumamaan qaba. Dubbatee nama amansiisa. Jechootni afaan isaatii bahu kan nama hin miine, furmaata nama hedduuf ta'uurra, darbee ofiisaas dabarsee lubbuusaas nama sabasaaf gumaachedha. Afaanota hedduu dubbachuu danda'a. Afaan Oromoo, Sidaamaa, Shinashaa, Rashaayid, Tigree, Sumaalee, Amaaraa fi kkf hedduu dubbata. Walqixxummaa sabaattis guddaa amana. Sabaa fi sablammii daba hin hojjanne, nagaaleessa kamuu qixa ilaala.

Magaalaa Ambootti mirga nama kamiifuu dhaabbata. Eenyu iyyuu adda hin foo'u. Waaqayyoon hunda keenya qixa uume ilaalcha jedhu qabata. Wayyaaneen shira isheen ummata Oromoo hedduu duguugdee jennaan bara tokko namoonni muraasni nama saba Tigree ta'e, tokko daba inni hojjateen ajjeesuuf qabatan. Daraaraan garuu "Dura ana ajjeesaa, eenyu iyyuu lubbuun jiraachuu qaba; wayyaaneen ummata hunda bakka hin buutu....." jechuun irraa dhoorkee du'a Tigrichaa oolche. Shiraa fi xaxa ilmaan Oromootti malamuu, jibba malee walqixxummaa namaatti amanuun nama baay'ee beekamuudha.

"Tooftaan inni jalqabaa diina ittiin laamshessinu gabaa lagannaadha" jedha Daraaraan. Yeroo jalqabaatiif tooftaa gabaa lagannaa kanas Oromiyaa keessatti kan fide isa ture. "Osoo nuti tumaaleessa, dilbii keenya karra isaanii irratti geessinee itti gurguruu baannee....., jarootni kun nu gidduu taa'uu hin dandeessu" jedha.

Ganamaa galgala tokkummaa ilmaan Oromoo fi paartii Oromoo labsa. "ABO fi OPDO n tokko ta'aa maaloo!, Waliigalaa! Osoo Oromoo hundi waliigalee OPDO nis keenya ta'ee waliin qabsoofnee wayyaaneen eessaayyuu hin geessu. Wayyaaneen kan kuftu yoo ABO fi OPDO n tokko ta'eedha" jechuun Oromoo wal ta'ee bilisoomu, harka diinatii ba'e, arguun hawwiisaa guddaa ture. Amboo keessatti ABO n naannawa 1984 qixuma mootummaa dhaabbateeti. Murtii kennuu

danda'u. Kan hidhames hidhaa hiikuu danda'u. Keessumattuu Daraaraan kanarratti aangoo olaanaa qaba.

"Isin wayyaaneen saroota. Labsii ofumaa paartii barbaaddan deeggaruu dandeessu jettanii labsitanii, ofuma keessanii ammoo deebitanii shororkeessaa jettanii maqaa nuuf moggaastan" jechuun ijannoo cimaan fuuldura dhaabbatee isaan falme. Akka qabsoosaa irraa duubatti hin deebines sodaa tokko malee, itti agarsiise. Hiriyoosaa akka Baqqalaa Seexaa, Olii Atomsaa, Dhiyanaa Kafanii, H/Iyyesuus Maangashaa, Kaasayee Ibsaa, Dandanaa Gurmuu, Taaddasaa Gaaddisaa, Margaa Magantaa, Daaqaa Mul'ataa, Ixaanaa, Lammaa fi kkf qindeessees gahee guddaa waliin taphatanii jiru.

ABO n bara 1984 akka Chaartarraa dhiibameen booda, gara bosonaa lixuun....., qabsoo isaatti deebi'e. Yeroo kana Daraaraan uffata halkanii, uffata guyyaa, nyaatasaanii hunda ofii isaatii geessaf ture. Hiriyaan isaa Taaddasaa Gaaddisaan ammoo qabsaa'aa cimaa kan ture, korreentii isaa Ambootti midhaan daaku dhaabee, ABO qofaaf bassoo daaksisee bosonatti geessafii ture. Boodarras deeggartootni wayyaanee magaalaa Ambootti hirkatanii jiraatan wal ijaaruun "Inni ABO dhaf galaa bosonatti geessa" jedhamee saaxilamee, wayyaaneen summiin ajjeesiste. Kanaafis qabsoonsaa dhokate.

Bessumni Daraaraa yeroo ammaa leenjisa Ispoortii ta'e, Darajjee Fayyisaa akka dubbatutti, "Daraaraan hanga har'aa osoo jiraatee biyya keenyaf ifa guddaa tokkotu ture; Daraaraa dhabuun keenya ummata Oromoo fi Amboo baay'ee miidhe" jedha. Darajjeen Daraaraaf hiriya dhiyeenyaas; dhiigas ture. Wayyaaneedhaanis baay'ee dararaa arge. Hidhamees danuu reebameera. Darajjeen gooticha qabsoo atileet Fayyisaa Leellisaas leenjiseedha. Qabsoo fi gargaarsi Daraaraan ummata Oromoof taasisu kun darbaa dabarsaa imalee Muummicha Ministeeraa yeroo sanaa Taammiraat Laayinee bira gahe. Kana booda,

kaabineen wayyaanee wal geessee Daraaraan du'uu akka qabu murteessite. Murteessuu qofa osoo hin taane, duuti isaas akka saffisu taasifame. Daraaraa qofa osoo hin taane, Wayyaaneen bara kana deeggartoota ABO kan ta'an namoota bebbeekkamoo dhageettii ummataa qaban magaalota Oromiyaa hunda keessaa ajjeesuun...., haamilee ummataa cabsuufii gadi qabamee bulmaataf akka mijatu gochuuf, karoorri ba'ee ture.

Barreessaa (Tasfaayee Gabra'aab, 2001) kitaabasaa "Ye Gaazzexanyaa Maastaawwashaa" jedhu keessatti akka ibsetti, karoora magaalota Oromiyaa keessaa namoota bebbeekkamoo abdaarii dachee sanaa ta'an, ajjeesuuf ba'een...., "Amboo keessaa eenyu yaa ajjeefamu? Gaaffii jedhuuf, deebii kennuuf, koreen Masaraa Mootummaa Ambootti mari'atame. Walitti qabaan koree sanaa, nama yeroo sana itti gaafatamaa odeeffannoo humna ittisaa ture, Jeneraal Abbaa Duulaa Gammadaa yoo ta'u, miseensummaa koree sanaa keessatti namoonni Shan hirmaataniiru.

Kanaanis, gaaffii "Amboo keessaa eenyu yaa ajjeefamu....?" jedhamuuf deebii kennan. Namootni ajjeefamuuf, karoorfaman, abbaa weellistuu Abbabeche, Daraaraa Kafanaa, Daaqaa Mul'ataa fi Dandanaa kan jedhaman ture. Isaan kanneen keessaa, irra caalaatti, ummatni kan dhaga'anii fi ABO dha jedhamee kan shakkamu, Daraaraa dha; jedhamee caalmaan murteeffame. Iddoon itti ajjeefamuu fi yeroon ni murtaa'e. Galgala karra mana isaa duratti. Gocha kana milkaa'inaan kan xumuran, Shaalaqaa Jamaal Yuusuf fi Koloneel Dirribaa kan jedhaman ni filataman. Shaalaqaa Jamaal fi Koloneel Dirribaanis, hojii isaanii akkuma jedhametti milkaa'inaan xumuran. Daraaraan du'ee jira.

"አምቦ ላይ ማን ይገደል?" የሚለው ጥያቄ የተወሰነው በኮሚቴ ነበር። የኮሚቴው ሰብሳቢ በወቅቱ የመከላከያ የመረጃ ሃላፊ የነበረው ደኔራል አባዱላ ገመዳ ሲሆን፤ በኮሚቴው አባልነት አምስት ሰዎች ተሳትፈዋል። የኮሚቴው አባላት

አምቦ ቤተ መንግስት ተሰብስበው " አምቦ ላይ ማን ይገደል?" ለሚለው ጥያቄ ሚላሽ ሰጡ። በእርሳት ሰባት የአምቦ ከተማ አንጋፋ አሮጥዎች ቀርበው ነበር። እነርሱም፤ የድምፃዊት አበበች ደራራ አባት፤ ደራራ ክፈኔ፤ ዳቃ ሙሉታ እና ደንደና የተባሉ ነበሩ። በህዝብ ተቀባይነትና በእነግ ተጠርጣሪነት በድምፅ ብልሜ ደራራ ክፈኔ አሸነፈ። ዝርዝር እቅድ ከተነደፈ በሁዋላም ደራራ የምገደልበት እለት፤ ለእትና ቦታ ተወስኖ ስብሰባዊ አሰቃ። ግድያው በታቀደው መሰረት ተፈፀመ። በአባዱላ ኮሚቴ ስር የነበሩት ኮሎኔል ድረባና ሻለቃ ጀማል ድራማን በተሳካ ሁኔታ አጠናቀቁ።

ደራራ ሞተ!!!
ለመሞት በድምፅ በማሸነፍ ተገደለ!
ወጤቱ ግን የተገላበጠሽ ሆነ።

በነጋታው ማለፉ ህዝቡ የሌሊቱን ድራማ ሁሉ መገንዘቡን በገሃድና ባደባባይ አሳወቀ። በደራራ ቀብር ላይ ህዝቡ ግልብጥ ብሎ ወጣ። በቁጭት የሚፎክሩ እንጂ የሚያሳቅሱ አልታዩም። በአምቦ ከተማ ታርክ ያን የመሰለ ህዝብ የተገኘበት የቀብር ስነስርዓት ተፈፅሞ የማያውቅ ሲሆን፤ ህዝቡ፤ "ደራራ ሆይ! አንድ ቀን እንደሚበሉህ እናውቅ ነበር። አምላክ ነፍሱን ይቀበላት! በዛርዋ እለት በሺህዎች ደራራዎች ተወልደው እንደሚያድሩ ጣላቶችን አለማወቃቸው አንዴት የዋህ ቢሆኑ ነው!" ቢል ተሰማ። የቀብር ስነስርዓትም በሆታ የተመላ ነበር።

Tasfaayee Gabra'aab (2001:336-337)

Odeeffannoo kana guutuu isaa, barreessaa Tasfaayeetti, kan hime....., namichuma Daraaraa ajjeese Shaalaqaa Jamaal, qalbiin isaa boqonnaa dhoorkattee akka ta'e, barreessichi kaa'ee jira. Shaalaqaan Jamaal Yuusuuf, "Nageenya koof jecha amma ifa hin baasin, yeroon ani du'e ykn biyyaa ba'e, haqa kana hin dhoksin" jedhee barreessichatti himee, barreessichi Jamaal du'uu dhaga'ee, akka barreesses kitaaba isaa kana keessatti ibsee jira. Hagayya 28, bara 1986 galgala keessaa sa'aatii 1:45 ture. Daraaraa Kafanaa hiriyooota isaa fi Darajjee fa'i waliin nama 4 ta'anii hoteela isaatii ba'ee gara mana jireenyaa isaa galuuf adeemu. Mana isaa bira gahuuf Meetira 50 qofatu hafa. Waan hin yaadamnetu ta'e. Gochaa gaddisiisaa, gochaa suukaneessaa, gochaa garaa jabummaa hamaa. Gochaa ummata Amboo baricha manaa baasee....., deebisee manatti galchuu dhoorkee, wayyaaneef dhukkubbii hamaa ta'e.

Hidhattootni wayyaanee lama dheeraa fi gabaabaa kan ta'an, uffata dhoksaan of golganii Daraaraa fa'i duuba dhufan. "ቁም፤ አንዳትን ተሳቀለ"

(Dhaabbadhu! Hin socho'in!) jedhan. Osoo hin turin....., karaa harka mirgaa rasaasa lamaan laphee irra, karaa harka bitaa rasaasa lamaan laphee irra rukutan. Daraaraan rasaasa 4 n rukutamee ofirra garagalee yeroo shugguxii isaa mudhiirraa baafatee itti dhukaasu ammas harma isaa jala rasaasa lamaan rukutame. Gootichi Amboo harka kennatee hin beekne rasaasa 6 f harka kennuuf dirqame.

Gocha kana ijaan kan arge....., Darajjeen yoo dubbatu, har'as imimmaan galaanatu keessaa coba. Wayyaanonni isa ajjeesanis diina keenya guddaa galaafanne jechuun Masaraa mootummaa Amboo dhaqanii gammachuu isaanii ibsachuuf rasaasa "Abrii" jedhamtu dhukaasaa turan. Abrii jechuun rasaasa ifaa deemtu kan ibsaa qabduudha. Daraaraa ajjeesuun durattis yeroo adda addaa itti dhaadachaa turan. "Ni duuta. Si ajjeesna. Qabsoo kana dhiisi" jedhanii itti himanii jiru. Inni garuu "Ani du'eef kaayyoo fi qabsoon Oromoo duubatti hin deebi'u; yoon du'es saba koof du'uun anaaf kabajjaadha" jechuun deebisaafii ture sodaa tokko malee.

Daraaraa ajjeesuun isaanii Amboo mataa gad cabsina jedhanii ture. Dubbiin garuu faallaa jalaa ta'e. Amboo mataa gad cabsuu osoo hin taane, Amboon xiiqiin duubatti osoo hin deebine ka'ee mataadhuma isaanii akka cabsuuf qopheesse. Amboon erga gaafa Daraaraan du'ee manaa bahee qabsaa'etii hanga bara 2010 wayyaaneen mataa gad cabdutti manatti deebi'ee galee, hin beeku. Qeerroo fi Qarreen Amboo martuu gumaa Daraaraa hanga baasnutti hin teenyu jechuun wayyaaneetti ibidda qabsiisan.

Sababa du'a Daraaraatiin namootni baricha qabsoo kaasanii fincilan 90 ol ta'an hidhaman. Namootni lama reebichaan du'an. Poolisootni fi barsiisotni hedduun hojii irraa ari'aman. B/saa Bareechaa Kumsaa fi Silashii Hundee fa'i "ABO duutef boochuu" jedhamuun reebichuma itti hammaateen du'an. Poolisootni akka Dhaabaa Cufaa, Kaasaa Dhukaa

fi Saajin Dannasaa fi kkf hojiirraa ari'aman. Oromoon Shawaa Lixaa akka aadaa isaanitti nama du'e Fardaan ba'anii boochisanii, boo'anii awwaalcha isaa bareechanii awwaallatu ture. Ammas aadaan akkas Shawaa Lixaa keessatti baay'ee miidhagee beekama. Wayyaaneen garuu awwaalcha Daraaraa kana akka aadaa isaanii kanatti akka hin awwaalle....., akka hin boochifne....., dhoorkite. Mana amantaa Bataskaana Iyyesuus Ambootti awwaalame.

"Namootni lubbuusaanii qabsoo Daraaraa irratti dhaban biyyeen itti yaa salphattu, Oromoon martuu, paartiin kamuu kan Oromoof qabsaa'u tokko ta'uu qaba. Tokko taanaan ifa arganna. Yoo kana hin goone, yoo adda faffacaane dukkanichatti deebina. Har'a ifa arganneerra. Waaqayyoon yaa ulfaatu, akkasumas namootni dhaadannoo dhageessifan jedhamtanii hojiirraa ari'amuun, dhiibbaa hedduun sinirra gahee fi Qaallittii fi Maa'ikalaawwitti dararamtan бага ifa argitan" jechuun imimmaan harcaasaa dhaammata eessumni Daraaraa Darajjeen. Akkasuma ilmi Daraaraa, Baacaanis "Abbaan koo qabsoo Oromoof lubbuusaa itti hin qusanne. Nuti immoo tokko taanee kaayyoo inni wareegameef, bilisummaa Oromoof galma ijaarrachuu qabna" jechuun lammiisaaf dhaammate.

Weellisaan wayyaanee irratti dhiibbaa guddaa taasise Caalaa Bultumees akkas jechuun gootummaa Daraaraa faarsa.

Amboo koo hambaa lafaa
Akkamiin sirraa hafa
Daangaa kabachiisaa
Qeerroon yoom jedhe lafaa
Jaagamaa Badhaanee
Erga Daraaraa Kafanii
Djinaf harka hin laannee
Goota..... booji'ee jechuun addunyaatti labse.

25. Jaarraa Abbaa Gadaa (1936-2006)



"Boolla tokko keessatti yeroo lama hin ciniinaman"

Harargeen sirnoota naafxanyaa, Faashistii, habashootaa guutummaarraa ka'ee hanga bara bulchiinsa wayyaaneen kuftuuttillee harka laatee gabbaree bulee hin beeku. Bara Minilik gara aangootti

dhufu....., naannawa 1875-1885 tti Gibxiin meeshaa ammayyaan lafa babal'ifannaaf jecha Harargee weerertee turte. Minilik ammoo bara kana booda ummata meeshaa ammayyaan weererame kana salphaatti gabbarsiisuuf fuula isaa gara Harargee garagalfate.

Haa ta'u malee, goototni dachee Harargee lafa isaanii magariisaa salphaatti laatani gabbroomuu hin feene. Goototni akka Jaarraa Abbaa Gadaa, Bakar Waaree, Elemoo Qilxuu, Ahmad Xaqii, Sheek Mohaammad Rashiid, Mohaammad Zaakir Meeyraa fi kkf hedduun dachee Harargee irraa dhalatan biyya isaanii tikfachuu irratti wabummaa olaanaan seenaan isaan hima. Sirnoota sana irra darbee hanga wayyaaneen kuftuttillee....., kan dhaabbatanii lolaa turan gooticha akka Adam Diimaa loltoota wayyaanee lafa nage kaasuun ni danda'ama. Seenaa gootota kanneenii maqaa isaaniis ta'u dhahuun dirqama.

1. Elemoo Qilxuu bara 1936 Harargee aanaa Qarsaatti dhalate. Maqaan dhalootaa Hasan Ibraahim ture. Hundeeffama Maccaa fi Tuulamaa keessatti gahee olaanaa taphateera. Elemoon biyyoota keessaa fi alaatti socho'uun ummatni Oromoo dhaaba jalatti hirmaatu hundeessaa tureera. Muhaammad (2007:157 maxx. 3ffaa)

Akka barreeffama seenaa Elemoo Qilxuutti, Hooggansi Elemoo, Ummata Oromoo bakka cufa/mara/ gurmeessuun Harargeetti hiriirsee, qabsoo afaan qawwee, bara 1973 akka jalqabamu taasise. Maanguddoon Heykal/Muhammad Hasan/ jedhamu, Elemoo fa'an dhiyeennatti kan wal-beekan, akka naaf odeessaniitti, Elemoon biyya Yaman Magaalaa Adan irraa ka'ee, karaa Asabiin Ebla 1966 (ALA) biyyatti deebi'e. Akkuma biyyatti deebi'een, bosona gaara Harargeetti galee, osoo beela, dheebuu, rooba aduu hin jedhiin karoora qabsoo diddaa gabrummaa geggeessuu eegale.

Qabsoo Oromoo keessatti gootota hedduu ta'anii sirna naafxanyaa dhabamsiisuu irratti gahee olaanaa taphateera. Jeneraal Taaddasaa Birruu fa'i waliin....., 1964 Galamsootti wal ijaaruun qabsoo jabaa taasisaniiru.

Bara 1966 tti ammoo Jeneraal Taaddasaa qabsaa'otni fi hiriyootni Elemoo mana hidhaatii baasanii gara Finfinnee ergan. Hiriyootasaa gootota akka Ahmad Taqii, Siraa Kamaal, Ahimad Muhaammad, Magarsaa Barii fi sabboontota Oromoo danuu waliin gahee guddaa taphatanii turan.

Elemoon tooftaalee lolaa /diina ittiin kuffisan/ qindeessee lolee lolchiisurra darbee meeshaalee waraanaas kallattii adda addaan qabsaa'otaaf galchee naafxanyoota irratti duulchisaa tureera. Muhaammad (2007:165 maxx. 3ffaa)

Elemoon Sabboontota isa bira jiran wajjiin wal mari'achuun, akkaataa meeshaa waraanaa biyya keessa itti galfatan mijeessuuf, gara Yaman, bara 1964 (ALA) deeme.

Meeshaa waraanaa kan qabsoo hidhanoofta isaanii ta'u, Kilaashii 15, Uzii 2 fi rasaasa isaa 19,000 wajjiin, Boombii harkaa 60, Naaduraa dirree lolaa 5, kaameeraa suuraa 5, doonii tokkotti feesisee, loltuu mootummaa maqaa isaa Hayiluu Raggaasaa jedhamuun buufata doonii Asabiirraa wallootti, walloorraa Finfinneetti fe'amee akka galu taasifame.

Erga meeshaa Finfinnee gahee booda Elemoon Asabirraa gara biyyaatti akkuma deebi'een, Bordoddee dhaqee Ahmad Taqii, Buqqisaa Bulee, Siraa Kamaal faa ofitti waamee erga wal mari'atanii booda, Buqqisaa Bulee fi Siraa Kamaal meeshaa waraanaa ka Finfinneetti ergame akka fe'anii fidan godhame. Haaluma kanaan meeshaan Finfinneerraa Bordoddee dhufte. Jalqaba bara 1965 (ALH) meeshaan kun geejjiba beeyladaa, Gaala fi Gaangeen bordoddeerraa Bubbeetti, Bubbeerraa Darakkutti fe'ame.

Darakkuu osoma jiran, Elemoon magaalaa Galamsoo dhufee Ahmad Taqii, Buqqisaa Bulee fi Jereraal Taddasaa wajjiin tahananii, Alaabaa halluu sadii qabdu, gubbaan diimtuu, jidduun adii, jalli ammoo gurraachaa fi gidduurratti suuraa Odaa damee tokko qabdu nama maqaan isaa Sufyaan Saanii jedhamuun hodhisiisanii gara Darakkuutti deebi'uun, Darakkuu ganda Hancabbii (amma Daraaraa) jedhamutti Amajjii 1965 (ALH) dhaaban.

Tooftaan lolee kan beekamu Elemoon bara 1965 bakka qubsuma

waraana isaa taate "Biyyaan fix" irraa odeeffannoo waraana naafxanyichaa dhagahee gara "Gooroo Dhaltuutti waan jijjiireef....., waraanni naafxanyichaa gowwoomee iddoo "Biyyaan Fix" dhaqanii dhukaasa bananiin Elemoon fa'i seenaa galmeessanii mirgaan galan yoomuu hin dagatamu. Waraana fi galaa naafxanyichaa hedduus booji'an. (Muhaammad, 2007)

Gootichi Harargee Elemoon qabsoo hangana hin jedhamne ummata Oromoof taasissee, biyya Oromoof utubaa bu'uura dhaabee, diinota hedduu kuffisee bara 1966 lola cimaa iddoo Xiroo jedhamu irratti tureen wareegame. Elemoon loltoota Dargii shan ajjeesuun boombii harkasaa jiru ofitti dhoosee Dargiif maqaa hin ta'u, jechuun of ajjeese.

2. Bakar Waaree maqaan dhahamnaan....., yeroo kamuu sammuu nama fuuldura kan dhaabbatu lola Calii Calanqooti. Bakar Waaree lola naafxanyaa ofirraa ittisuu irratti adda durummaan kaafama. Abbaa Duulaa Oromoota Oromiyaa Bahaa jiraatan ilmaan Arfan Qalloo (Dagaa, Oborraa, Baabbilee, Ala) fi ijoollee Anniyaa fi kodhaallee ta'ee, naafxanyoota irratti duulaa tureera. Lola Calanqoo Amajjii 6,1887 humna Minilikiin hoogganamuu fi Oromiyaa Bahaa Bakar Waareen hoogganamuun....., waraanni cimaan tureera. Bakar Waaree lola Calii Calanqoo irratti olaantummaa guddaan hirmaatee, hirmaachisee miilasaa tokkos dhabuun bara baraan seenaa Oromoo keessatti dubbii dachaa "Achi buutee akka miila Bakar Waaree" jedhu ta'ee ittiin mammaakama. Shallamaa (2011:264 maxx. 4ffaa)

Lola Calii Calanqoo irratti gootichi hoogganaa waraanaa Oromoo Bakar Waaree gootummaa fi onnee qabeessummaa isaarraa kan ka'e, miila isaa kan irraa cite osoo of hin dhagahin hanga lolli goolabamuuf ga'utti kan ture ta'uu isaatu himama. Miilli isaa eessattii fi akkamitti akka irraa cite wanni beekamu waan hin jirreef achi buutee ta'e. warri Harargeetis akka afoolaa ykn mammaaksaatti jecha kana itti fayyadamuun waan tasa badee hin argamneen "achi buutee miila Bakar Waaree" jedhanii himu.

Bakar Waaree Miila irraa cite kana lola keessatti hin agarre. Erga galee mana gahee “Miilli kee eessa?” yoo jedhaniin miilli isaa cituu ofirratti arge. Goota akkasiitu Oromoota keessa ture.

3. Ahimad Taqii Harargee Dhihaa, Balballeettii aanaa Habrootti dhalate. Maqaan qabsoosaa Hundeedha. Yeroo baay’ee Oromoota gargaaruudhaan beekama. Saamamuu lafa Oromootaa irratti immoo Taaddasaa Birruu, Baaroo Tumsaa, Jaarraa Abbaa Gadaa fa’i ta’uun mari’atanii qabsoo finiinsanii jiru. Ahimad Taqiin Taaddasaa Birruu akka mana hidhaatii miliqu haala mijeessee akka ture (Shallamaa, 2011) kitaaba isaa keessatti ibsee jira.

Kana malees Oromoota qindeessee abbootii lafaa, lafa Oromootaa saaman irratti duulchiseera. Muhaammad (2007:173 maxx 3ffaa)

Hundeen qabsoo diddaa gabrummaa sirna naafxanyaa adeemsisaa ture keessatti, sabboonota biyya keessaa qofaan osoo hin ta’in namoota alaa wajjiinillee qunnamtii taasisaa ture. Fakkeenyaaf, Elemoo Qilxuu waliin ta’anii, namoota Ibrahim Fidal fi Shaamii Fidal jedhaman obboleeyyan laman saba Affaar waliin waliigaltee uumuun, meeshaa waraanaa ka qabsoo hidhannoo isaani ta’u, kilaashii 15, Uuzii 2 fi rasaasa isaa 19,000 wajjin, Boombii harkaa 60, Naduraa lolaa 5, Kaameraa suuraa 5, karaa Asabiin gara biyyaa keessa galchuun, qabsoo hidhannoo akka eegalamu taasissee jira. Ahimad Taqii qabsoo dheeraa erga taasisseen booda, bara 1966 garee loltoota Dargii fi garee Ahimad Taqiin waraana cimaa taasifame irratti iddoo “Xiiroo” jedhamutti du’e.

4. Mohaammad Zaakir Meeyraa abbaasaa Sheek Umar Aliyyee fi haadhasaa aadde Meeymunaa Saadiq irraa bara 1944 Harargee Galamsootti dhalate.

Qabsoo Elemoo Qilxuu fi Ahimad Taqii fa’iin walitti dabalamee

qabsaa’otaaf meeshaalee barbaachisaa geessaa ture. Galaa, dhugaatii fi meeshaalee adda addaa. Gochaan isaa kunis basaastota mootummaatiin irra gahamee qabamuun mana hidhaatti gale. Haa ta’u malee turtii yeroo booda Dargiin hidhamtoota siyaasaa bilisaan akka ba’an....., jedhee labsii labseen mana hidhaatii akka ba’u ta’e.

Maayiraan umriidhuma isaa xinneenyaatti waa’een eenyummaa isaa kun kan keessatti biqile, umriisaa waggaa digdamaa illee osoo hin guutin Oromoota gumii keessatti hundeessee, karaa qabsoo agarsiisuun imalchiise. Muhaammad (2007 :176-77)

Maayraan osoo umriin isaa digdamman keessa jiru, dargaggootaa fi qote bultoota walitti qabee, gumii “Tuuta Bariisaa” jedhamtu ijaare. Miidhaa alagaan Oromoorra geessu hubatee hubachiisuun qabsoo ummata Oromoo eegaluuf kutatee ka’e. Miseensota gumii “Tuuta Bariisaa” wajjin meeshaa waraanaa barbaaduuf gara biyya Somaalee deeman. Mootummaa Somaalee irraa gargaarsa argatanii wayita deebi’an, Muhammad Zaakir (Mayraan) ajajaa waraana Birgeedii tokkoo ta’ee biyyatti deebi’e. Itti gaafatamummaan isaa loltoota ilma Oromootiif qofa osoo hin taane, loltoota Adda Bilisummaa Somaalee Lixaa (Western Somali Liberation Front) ta’an dabalatee ture.

Birgeediin Mayraan hoogganamu haala quubsaa ta’een waraana Dargii aanaa Bookeetii fi Daaroo Labuu keessatti barbadeesse, haga magaalota Milqaayi fi Mincataa of dura dhiibuu dandahee ture. Waraanni Dargii haleellaan itti hammaannaan aanota lama keessaa dheessee bahe.

Mohaammad Zaakir mootummaa naafxanyaa irratti duuluurra darbee, saamtota lafa Oromoo kamuufuu carraa kennene hin beeku. Sumaalota lafa Oromoo irratti alaabaa dhaabbatan lolee, Oromoota irratti dammaqsuun fuuldura dhaabbatee jira. “Nutii Oromoodha, kan lolluuf Oromoof malee, isiniif lafa kennuuf miti” jedhee loltoota Adda Bilisummaa Sumaalee lixaa irratti waraana banuun aanaa, Daaroo Labuu keessaa akka baqachiise Muhammad (2007) kitaaba isaa keessatti ni kaasa.

Muhammad Zakir qabsoo gurguddaa ummata Oromoof erga taasissee

naafxanyaa danuu galaafatee booda....., waraana aanaa Bookee irratti Sumaalee waliin taasifameen, waraanni Sumaalee meeshaa danuu waan qabaniif ji'oota hedduu erga wal waraanan booda 1977 wareegame.

Jaarraa Abbaa Gadaa, abbaasaa Ibraahim Hamiid fi haadha isaa Moominaa Eeboo irraa bara 1936 Baha Oromiyaa, Koonyaa Gaara Mul'ataa ganda Mudiir Gooroo keessatti dhalate. Maqaan dhalootaa Abdulkariim Ibraahim Haamid ture. Haadha warraa Maariyaam Jamaal jedhamtu fuudhee ilmaan 2 horatee jira.

Jaarraa Abbaa Gadaa qabsaa'aa, quuqamaa, yaadaa, xiinxalaa, beekaa ummata Oromoo ture. Barnoota isaatti baay'ee cimaa ture. Akkasuma aadaa, afaan, duudhaa ilmaan oromoo dagaagsuu keessatti baruma sirna nama nyaataa san sodaa tokko malee, adda dureen hirmaachaa ture. Yeroo mana barumsaa sadarkaa olaanaa Harar barachaa turetti, quuqamni waa'ee aadaa fi Afaan Oromoof qabu isa teessisuu dhoorke. Yeroo kanatti sabootni biroo qophiilee gara garaarratti aadaa fi duudhaa isaanii afaan isaaniin ibsachaa turan. Afaan Oromoon garuu yericha qophiilee garagaraarratti aadaa fi duudhaa ibsachuu miti, dubbachuunuu wal'aansoo guddaadhani. Gochaan kun baay'ee waan isa gaddisiiseef....., Jaarraan Abbaa Gadaa barattoota Oromoo walitti qindeessee "Waldaa barattoota Oromoo" jedhu dhaabe.

Waldaan kun jabaatee ijjachuun aadaa fi afaan isaanii dagaagsanii yeroo gabaabaa keessatti bara 1953 agarsiisa qopheessuun mana sinimaa Hararitti ummata daawwachiisuu akka danda'an (Muhammad, 2007) kitaaba isaa "Seenaa qabsoo Oromootaa" jedhu keessatti ibsee jira.

Boodarra yeroo Sirnichi hacuuccaa ilmaan Oromoo itti fufu, xiiqiin qabamuun gara qabsootti dabalamuuf murteesse. Qabsaa'ota 12 fudhatee bara 1958 gara Baalee imaluun qabsaa'ota achi jiranitti hoogganummaa

Waaqoo Guutuu tti dabalame. Baaleettis lola irratti hirmaatee milkii guddaa galmeessee jira. Muhaammad (2007:143 maxx, 3ffaa)

Jaarraan, Baaletti, lola "Laga Dharee" tti adeemsifameetti, gootummaan hirmaatee, mirga waan argateef, namni wajjin ture hundi, jabeennaafi gootummaa isaa hubatee kabajaa guddaa galcheef jedhama.

Haga bara 1968, Somaaliyaafi edduuwwan waraanaa ka akka "Eela Roojii" fa'a irratti, of duraa -duuba deddebi'aa, hirmaataa ture. Lolli "Eela Roojii" edduu waraanni Mootummaa Nafxanyaa, Qabsaayota Oromoo roophilaan boombii itti harcaasee waraanaa ture.

Kana malee, Jaarraa Abbaa Gadaa guyyaa loltoonni Oromoo Baalee kan akka Waaqoo Guutuu, Waaqoo Luugoo fi Aliyyii Cirrii faati sabboonota Oromoo biraa wajjiin meeshaa waraanaa duubatti hafaa "dhoombir" jedhamuun, xayyaara Mootummaa Hayila-Sillaasee samiirraa harcaasan. Suuraa kaasuun hojii gaazzexeessummaa dabalataan hojjatee ture.

Boodarra mootummaan fincila Baalee too'annaa jala waan oolcheef....., Jaarraa Abba Gadaa gara Somaaliyaa imalee meeshaa waraanaa gahaa argachuu fi leenjii loltummaa fudhachuuf 1959 sokke. Mootummaan Somaaliyaa duraan qabsaa'ota Baaleef gargaarsa kan godhu, bara 1961 irraa kaasee maqaa Somaaleetiin malee maqaa qabsoo Oromootiin gargaarsa gochuu akka hin dandeenye ibse.

Jaarraa Abbaa Gadaan ammas abdii kutannaa malee bara 1962 gara Arabaatti sokkuun Yaman Kibbaa Eden gale. Yamanittis qabsaa'ota Oromoo kanneen akka Elemoo Qilxuu, Huseen Suuraa fi kkf waliin wal arguun waa'ee qabsoo Oromoo mari'atan. Dhaaba Oromoof qabsaa'u hundeessufis mari'atan. Mootummaa Yaman waliinis marii taasisuun....., mootummaan Yamanis gargaarsa akka godhuuf abdii kenneef. Baruma sana keessa gara Iraaqis imaluun qaamota Mootummaa waliin marii taasisaniiru. Muhaammad (2007:147 maxx. 3ffaa)

“Haaluma kanaan, Huseen Suraa, Jaarraa Abbaa Gadaa, Elemoo Qilxuu fi hooggantoonni biroo, Kaayiroo, Bagdaadii fi Damasqoo dhaqan. Mootummaa Iraaqiifi Sooriyaa meeshaa waraanaa kennuufi kan waadaa seenan yoo ta’u, Filisheenonni Sooriyaa keessatti loltoota Oromoo leenjisuuf waadaa seenan. Hojii walfakkaatuuf, waxabajjii 3 bara 1970 gara biyya Masri dhaqan.”

Erga qophii barbaachisu hunda xumuranii booda loltootni 36 biyyatti deebi’anii qabsoo waraanaa kan eegalan leenjii waggaa tokkoo fudhatan. Maqaan loltoota kanaas “Qeerroo Ganamaa” jedhamee moggaafame. Hoogganaan garee “Qeerroo Ganamaa” Jaarraa Abbaa Gadaa ture. Bara 1962 gara biyyaa deebi’uuf doonii yaaphatanii Sumaaletti yoo bu’an Sumaaleetti waraanni Sumaalee isaan marsee qabe. Mana hidhaa Somaaliyaa “Mandheeraa” jedhamutti waggaa shaniif hidhamuun 1967 mana hidhaatii bahan. Akka mana hidhaatii baheenii biyya isaatti deebi’ee qabsaa’uuf murteesse gara biyyaatti deebi’e. (Shallamaa, 2011 maxx. 4ffaa)

Biyya Sumaaliyaa irraa hiriya isaa kan bara dheeraa, Muldhis Gadaa wajjin ka’ee ganda Sharif khaalid, kibba magaalaa Awadaay, Bitootessa 14 bara 1976 qubate. (Muhaammad, 2007)

Goototnii fi Sabboontotni Finfinnee jiraatan labsii dhaaba Oromoo haarawa hundeessuu, kan Elemoo Qilxuufaa bara 1973 Finfinneetti jalqaban xumuruuf gara Finfinnee akka dhufu afeeranii Finfinnee deeme. Haa ta’u malee, sabboontonni Oromoo dhaaba Maarkisisti-Leeniniistii Dargii wajjiin dhaabuurratti waan qabamaniif dhaaba Oromoo hundeessuu kanarratti xiyyeeffachuu waan hin danda’amneef gara biyyaatti deebi’e. Qawwee muraasa fi rasaasa Elemoon faati awwaalan fudhachuun waraana Bilisummaa uumee qabsoo itti fufe. Goolii Diimaa Dargii namoonni hedduun baqatanis waraana kanatti makaman. (Muhaammad 2007, maxx.3ffaa)

Haa ta’uu malee, yeroo muraasa booda waldiddaan sababa ifa hin taaneen, waraana Jaarraa Abbaa Gadaa fi qabsaawota Finfinneerraa dhufan gidduutti waan uumameef adda ba’an. Waraanni lamaan addaan ba’us lamaanuu maqaa “Adda Bilisummaa Oromoo” jechuun waamama. Bara 1988 (A.L.H) Jaarraa Abbaa Gadaa fi hiriyoanni isaa “Adda Islaamummaa Bilisummaa Oromoo” (AIBO) jechuun moggaasan. AIBO n mootummaa ce’umsaa Itoophiyaa kan bara 1983 (A.L.H) ijaarame keessatti hirmaatee ture. Bara 1984 mootummaa ce’umsaa keessaa ba’uun....., gara gaarren Harargeetti deebi’ee qabsoo itti fufe.

Bara 1997 maqaa AIBO jedhu gara Adda Bilisummaa Dimookiraatawaa Oromiyaa jedhutti jijjiiran. (Muhaammad, 2007 maxx.3ffaa)

Gootichi Oromoo, gabrummaa fi cunqursaa didee qabsoo ciccimaa taasissee diinotatti qawwee dhahee gad teessise. Miidhaa sabasaaf garaansaa roorra’ee qabsoo hadhaawaa taasisuuf qofaasaa manaa bahe. Ummata Oromoo bilisa baasanii dirree dimokiraasii har’aa irra imalchiisuuf wabii ta’anii, lubbuu ofii osoo hin qusatin asiin gahan. Gootota Oromoo danuu horatee of jala hiriirsuun sabasaaf daaddisee diinasaa sodaa malee dhabamsiise.

Qabsoo mootummoolii jalloom dhaala Oromoo quucarsaa turan irratti duulee, dhaaba ummatni Oromoo jalatti hirmaatu hundeessee ummata Oromoof karaa ta’uurra darbee galaa bara baraa ta’ee darbe.

Jaarraa Abbaa Gadaa gooticha Oromoo! Mul’atni isaa fi dubbiin isaa egeree boruufis jiraata. “Ilmaan gabroomfataa gonkuma wal qixxummaatti hin amanan. Hanga fedhan biyya ormaa kan Dimokiraasii keessa jiraatani barachaa oolanis gaafa Itoophiyaa yaadatanitti jarmin isaanii itti kaati. Dimokiraasiin kan namni

obbolummaa itti wal bulchuudha; isaanif garuu dimokiraasiin dhukkuba qoricha hin qabneedha” jechuun abjuu keessa habashoota shira xaxan irratti arge dubbate. Goota Oromtichaa seenaan hin daganne dacheen Harargee biqilchitee Oromootaf galaa laatte. Jaarraa Abbaa Gadaa /Abdulkariim Ibraahim Hamiid) qabsoo jajjabduu ummata Oromoof galaa danuu taate erga taasissee, umriisaa guutuu Oromoof of kennee booda, bara 2006 biyya baqattummaan jiraachaa ture, Yamanitti boqote. Reeffi isaas gara dachee handhuurri isaa itti handhuuramte godina Harargee Bahaatti deebi'uun magaalaa Watar jedhamutti awwaalame. Qabsaa'an ni kufa, qabsoon itti fufa jedhama mitiiree.

Gootichis hirriiba dhumaa rafe. Kabajaa fi jaalala qabanii fi oolmaa Jaarraa Abbaa Gadaa nuuf oole, nu keessaa bar kamuu hin badu jedhanii ummatni Oromoo Siidaa Yadannoo ijaaref.



Weellistootni Oromoo bebbeekkamoon kanneen akka Kadiir Martuu fa'ii fi hedduun isaanii gootummaa isaaf sirba ittiin sirbanii jiru.

Harargee

Biyyaa Bakar Waaree
Biyyaa Elemoo Qilxuu
Dachee Ahimad Taqii
Warra Muhaammad Zaakir
Galaana Kitila goototaa
Biyya Jaarraa Abbaa Gadaa
Tokkummaan Loltanii

Kan qoorsitan madaa
Warri Bahaa fi Dhihaa
Ilmaan Arfan Qal'oo

*** **

Kan hunda simattan
Diina haleeltanii
Tokkummaa labsitu
Jaalala biiftanii {2}

*** **

Abbaa qabsoo sabaa
Jaarraa Abbaa Gadaa
Saba keef hojjattee
Dabarte waan guddaa
Kan qabsoo jalqabde
Yeroo lammiif gaddaa
Lafa keessee kutte
Bu'uura gurguddaa

*** **

Guyyaa arguuf jettee
Ijaan hawwaa turte
Har'a irra geesse
Qeerroon ati dhiifte
Yaa Qeerroo Ganamaa
Jechuudhaan moggaafte
Silaa ijaan gartee
Lubbuun kee yoo dabres
Seenaan kee ni jira....

*** **

Mahaammad Ahimad Qaadii
Yaa abbaa alaabaa
Oromoo hundeessee
Kunoo ol nuuf qabaa
Gurra addunyaa nuuf banaa
Tan orma boojitu
Qabsaa'ota dhugaa
Seenaan hin dagatu {2}

26. Aadam Diimaa/ Diina Raas/ (1971-2009)



Maqaan jalqabaa ykn dhalootaa Aadam Ahimad Alii jedhama. Irra caalaa isaa garuu Aadam Diimaan beekama. Diina Raas ammoo maqaa qabsoo isaati. Gootichi dhuguma Diina Raas. Qabsoo isaa keessatti imaltuu fuula duraa, leetoo ummata Oromoof lafee dugdaa ta'ee diinasaa falmee, afaan warabeeyyiitii ilmaan hedduu baase.

Aadam Diimaa bara 1971 godina Harargee Lixaa, aanaa Doobbaa, ganda Alii Xiqqaa, Araddaa Jaannataatti dhalatee guddate. Bara jireenyaa isaa keessatti haadha manaa lama “Nafiisaa Abbaas” fi “Amiinaa Abdurhamaan” jedhaman waliin bultii ijaarratee....., ijoollee 9, dhiiraa 3 fi dubara 6 horatee jira. Gootichi kun jireenya isaa fi maatiisaa caalaa jireenya sabasaa caalsifatee qabsoof erga manaa bahee hanga lubbuusaa dabarsee kennutti galaana qabsoo daakaa jiraate. Goota xiiqiin guutame, kan sodaa hin qabne.

Sirna hamaa dhala namaa akka beeyiladaatti qalaa ture, dhala namaa boolla tokkotti awwaalaa ture sanaaf dhukkubbii ta'ee, afaan qawwee isaanitti qawwee garagalche. Roorroo ummata isaarra gahu kamuu nama hin fudhanneedha. Lolee lolchiiset diina taa'i fi ka'ii wallaalchise. Gootummaa....., sabboonummaa....., Oromummaa agarsiisee diinaf obsa dhabee mataashee gad cabse. Kanaan ummata isaarraa maqaa “Diina Raas” gonfate gootichi.

Aadam Diimaa ija jabeessa, roorroo alagaaf sodaa hin qabne hanga lubbuusaa dabarsee lammiisaaf kennuuttis goota gaheedha. Ajaja alagaa kamiyyuu nama hin fudhanne.

Ummata Oromoo kana lafa irraa duguuguuf karoora isaa kan ture, gurmuu faashistii, nyaapha Oromootaa wayyaanee waliin mormii cimaa gaggeessuun hedduu isaanii barbadeessee jira. Irra darbees hanga dhumaatti gootummaan osoo falmuu, hanga wareegama lubbuusaa jijjiirraa hin qabne, dabarsee sabasaaf kennuutti gahe.

Aadam Diimaa bara 1997 yeroo filannoo, bara wayyaanneen korojoo hatte, mootummaa wayyaanee waliin lola cimaa walitti banee loltoota wayyaanee danuu jilbiinfachiise. Erga gaafa sanaatii wayyaanee waliin fiigicha Olompikii walitti ta'an.

Wayyaanneen guyyaa guyyaan loltoota ishee gara Diina Raasitti ergiti.

Diina Raasis akkuma isheen dhuftetti keessummeessee galcha. Dhukaasa gara garaa irratti banaa turan. Innis ajjeessee gumaa Oromoo hidhaatti dhumuu baasaa ture. "Aasxaa ormaa baadhee isaan hin gabbaru" jedhe.

Akka (OMN) Waa'ee gootummaa Aadam Diimaa hiriya isaa haasofsiisetti, bara 2002 wayyaaneen poolisoota gara isaanii erguun Oromoota sabboonummaa qaban akka reeban, akka hidhan, akka ajjeesan gochisiisaa turte. Aadam Diimaa garuu saba koo maaf fixu jechuun biyyasaaf loltoota wayyaanee waliin wal'aansoo cimaa qabe. Yeroo kana loltootni wayyaanee gooticha kana qabuuf 50 ta'anii mana isaatti marsan. Gootichi garuu akka beekutti rasaasan loltoota lama garanaa garanatti keessaa kuffisee....., ba'ee biraa sokke. Loltootni wayyaanee garuu iccitii moo'atamuu baattatanii salphinaan imalan. Yeroo lammataafis humna jabeeffatanii xiiqiin itti deebi'anis Diina Raas, tooftaa isaan salphisee isaan gaggeesse.

Aadam Diimaa Abbaa Araddaas taasifamee jira. Yeroo kanas diinni ummatasaa akka hin cabsineef hawaasa meeshaalee hidhatanii loluu akka qaban barsiisaa ture. Wayyaanee humna qawweetti amantu bahaa gala ishee dhoorke. Gootummaa isaan baay'ee kan sodaatamu Aadam Diimaa yeroo Oromoon ergamtoota loltoota wayyaanee naannoo Sumaalee Poolisii addaan ajjeefaman taa'ee ilaaluu hin dandeenye. Loltoota wayyaanee naannoo Sumaalee kana haleelee lafarraa duguuge. Oromoota isaafis gaachana ta'ee dhumaatii irraa baraaree isaan boonse.

Aadam Diimaa /Diina Raas/ harka diinaa bu'uun mana hidhaas galee jira. Haa ta'u malee, gootummaa fi Onnee isaanis, mana hidhaa wayyaanotaa cabsuun..., baheera. Diddaa gabrummaa taasisee, gabrummaa waggaa kuma baannee hin bullu, jechuun goota qabsaa'ee lubbuusaas kenneedha.

Jalqabuma irraa kaasee gootummaa isaatin kan sodaatamaa ture, gooticha Oromoo mootummaan wayyaanee haala adda addaatiin sossobee ofitti qabuus yaalaa ture. Inni garuu gonkumaa dantaadhaan kan bitamu ta'uu hin dandeenye. (OMN. Sept.02, 2016)

Aadam Diimaa Amajjii 26, bara 2009 weerartoota biyyasaa loltoota wayyaanee /agaazii/ waliin lola cimaa taasiseen loltoota hedduu galaafatee, hedduu isaanii madeessee ofiisaafis wareegamuuf dirqame. Bara kana Oromiyaan haala wal fakkaatuun gootota garagaraa dhabde. Gooticha Shawaa lixaa, Jalduu "Galataa Itichaas" lukkeelee wayyaanee fixuun boodarra harka laate kaasuun ni danda'ama. Seenaa Galataa Itichaa kutaa 2ffaa kitaaba kanaa keessatti eegaa. Gootota kanneen aartistiin qabsoo Caalaa Bultumee gootummaa isaanii yeroo faarsu :-

*Jagna gaarota raasee
Aaritu manaa baasee
Goota diina dachaasee
Kan Agaazii harcaasee
Aadam Diimaa yoon faarsaa
Akka Jalloo Baaburaa
*** ***

*kana garaan waa muraa
Gooticha roorroo didee
Isa kuffisee kufuu
Akka **Galataa Itichaa**
Sabaaf ta'uun Riqichaa.....*

Jechuun gootatu goota faarsaa riqicha sabasaanii ta'uu addunyaatti labse. Goototni Oromoof wareegaman hin duune. Lafee fi dhiigni isaanii ilmaan Oromoo Miliyoonota keessa jira. Bara baraan seenaa qabsoo ummata Oromoo keessa kabajaan jiraatu.

Kaayyoon Wayyaaneen ilmaan Oromoo afaan qawween bittee akka ija hin bananne gochuuf yaalaa turteef....., dachee magariisa uumama Rabbiin qabbana taate tana, saamanii addunyaa biraarratti biyya

ijaaruufiidha. Kanaaf ummata nagaan dachee isaarra jiraatu gabroomfachuu fi saamuutti tarsiimoo ajjeessuu, mana hidhaatti guuruu, beektota biyyaa baasuu fi kkf baafatte.

Haaluma kaayyoo isaanii kanaan qabeenya gootichaa Aadam Diimaas saamte. Sangaa isaa qaltee nyaatte. Mana isaa saamtee qullaatti hanbiste. Maatiisaas rakkoof kudhaamte. Hawaasni Oromoo addunyaa irra jiru....., kan inni ummata koo gabrummaatti hin gatu jedhee qabsaa'ee lubbuusaas dabarsee kenneef gumaa isaa akka baasuu fi maatii isaa bira akka dhaabbatu abdii qabna. Jijjiirramnii fi Qeerroo qaxaleen har'a uumamanis qabsaa'aa fi qabsoo akka isaatini.

27. Baqqalaa Badhaadhaa (1920-1969)



Bara kam keessattuu seenaa biyya Itoophiyaa keessatti weerartoota biyya alaas ta'ee weerartoota xixiqqoo biyya keessaa kanneen akka naafxanyoota irratti qabsaa'uun galaana dukkanaa dhidhimsiisan keessatti goototni Salaalee adda dureen osoo hin hirmaatinii fi

maqaan isaanii hin dhahamin hin darbu. Salaale keessa miila fi qalbii gad fageeffatanii....., gootota dachee isaanirratti biqile yeroo ilaalan dachee Salaalee irratti akka waan qorichi goota biqilchu jiraatee lafa isaanii irratti facaasaniiti. Seenaa darbaa dabarsaa fi isa har'aas keessa Salaalee gad buunee ija qalbiin yoo ilaalle, ilmoon reef dhalattellee goota qabsooti. Kanaaf Sinbirroonnillee qooqa isaanii gootota Salaalee faarfatu.

Baqqaalaa Badhaadhaas Salaale keessatti dhalate. Abbaasaa obbo Badhaadha Buttaa fi haadhasaa aadde Abazzuu Birruu irraa godina Shawaa Kaabaa, aanaa Kuyyuu, ganda Hariiroo Cari (Dayii) jedhamtutti Kudha Sagal Digidamoota keessa dhalate. Bara Hayilasillaasee keessa abukaatoo ture. Sirnoota nama nyaataa darban san keessa mirga dhala namaaf kutannoon dhaabbatee Oromoota hedduu galaana lixan galaana dararaa keessaa guureera.

Mootummaa Dargii waliin laga tokko hin dhaabbatan. Malkaa tokko waliin hin ce'an. Ooyiruu tokko waliin hin qotatan. Dararama, saamicha, gidiraa ilmaan Oromoo barootaa argaa fi dhageettii jibbee....., 1966 qabsoof manaa bahe. Bara seensa Dargii keessa ummata Shawaa Kaabaa keessa sabaa fi sablammootni danuun jiraachaa turaniiru. Sabaa fi sablammoota kanneen keessaa ammoo baay'een isaanii amantaa Ortodoksii hordofu ture. Minilik bineensichi yeroo Tuulama cabse ummata Shawaa baay'ee isaanii kiristinnaa kaasuun hedduun isaanii achumaan hafaniiru. Ummatni Kuyyuu/Garba Gurraachaa naannaa bara 1966 mana amantaa guddaa Madaana'alam jedhamu ijaarratanii turan. Akkuma aadaa fi duudhaa amantichaattis yeroo inni xumuramu eebbisiisuuf..., ummatni Garba Gurraachaa amantaa kana hordofu wal ga'an. Eebba kanarratti Sangaan qalmaa, Bookni, Daadhiin, Daabboon, Farsoo fi kan biroo unanii habbuuqatan danuutu hawaasa fi abbootii amantichaan qophaa'e.

Egaa sangichi dhiyaate qalmaaf yoo jedhu dubbiin dhalate. Ummatni Amaaraa naannawa sana jiran, "Sangaa kana abbaan Amantaa Qeesiin nuuf yaa qalu, qeesiin osoo jiruu Oromoon hin qalu" jedhan ture. Baqqalaa fi waahilloonni isaa ammoo "Hangafti, abbaan dachee nuti waan ta'eef nuyi Oromootatu qaluu qaba" jechuun cimsanii wal falman. Kanumaan Baqqalaan sangaa isaanii kana dhiisee sokkee....., sangaa biroo Oromoota walitti yaasee laga Garba Gurraachaa gubbaatti qalate. Kun kan ta'e, seensa Dargiirra ture. Baqqalaan erga gaaficha gochi kun raawwateetii naafxanyoota loluu jalqabe. Dararaa dargii arguu eegaluutti qaamnisaa tasgabbii dhabe.

Ummata Salaalee naannoo Kuyyuu biratti baay'ee beekama. Baay'ee jaallatama. Naafxanyootaf hin tolu. Hojii abbaa irree, ummatarraa lafa saamanii agabuu bulchuu arguu caalaa kan isa gubu hin jiru. Sababa kanaanis hojii abukaatummaa isaa irraa kaasan.

Naafxanyoota Dargii waliin qindaa'anii socho'an, lafa saaman irratti naatoo tokko malee qabsaa'e. ummataa fi dargaggootas hedduu kakaase. Hiriya garaa Addunnaa Hararuu jedhamu waliin "Sirna Dargii nama nyaataa kana jala hin bullu. Isinis buluu hin qabdan. Sirna kana irratti hin qabsooftan taanan mana keessan isinirratti gubna," jechuun hawaasa bal'aa dammaksaa turan. Ummatni salaalees baay'ee deeggaru.

Alaabaa mataasaanis hundeeffatan. Hanga naannoo bara 1966 tti meeshaa waraanaa gahaa waan hin qabneef, hiriyoota isaa Xaafaa Sanyii, Leenjisoo Wadaajoo, Zawudee Badhaadhaa, Tafarii Roobii fi kkf waliin qindaa'uun humna yerichaa kan ture, naafxanyaa irratti duulan.

Xaafaa, Zawudee fi Leenjisoo faanti B/J Taaddasaa Birruu irraa leenjii fudhatanii jiru. Bara Mangistuu Niwaay fannifamu, hiriyootni

Baqqalaa kunneen B/J Taaddasaa irraa qawwee Matariyeesii Diigii jedhamu dhuunfaan lama, lama fudhatan. Meeshaa waraanaa kana akka fudhatanii Baqqalaa waliin walitti dabalaman. Baqqalaan garuu yeroo kana humnasaa cimsachuuf, barattoota, barsiisota, ummataa fi quuqamtoota Oromoo hunda kakaasee jira.

Tooftaalee garagaraa irratti beekamuu hin dandeenye....., fayyadama. Kun amaluma gootota Salaaleeti. Bara 1967 Baqqalaan hiriyoota isaa Tafarii Roobii, Ayyaalee Bahaaruu fa'i namoota 4 ta'anii halkan qixxee mana dhugaatii Tafarii Roobii magaalaa Garba Gurraachaa iddoo kaampiitti argamutti osoo taphatanii basaastuu tokkoon gabaafaman. Innis Hirriiba isaan dhoorke. Ajajaan poolisii sirnichaa naannichaa mana isaan jiran kana gubbaan koree ibidda osoo qabsiisuuf yaalu....., Baqqalaan itti dhukaasee ajjeese. Waraanni poolisicha waliin hidhatanii jiran hiriyoota Baqqalaa keessaa sadii ajjeesan. Baqqalaan garuu garaan lafarra gangalatee bahe.

Salaales kanarratti akkas jedhee sirbeef.

Bossobilaa seetee
Kan oddoo loomiidhaa
Sumatu balleesse
Yaa Tafarii Roobiidhaa

Jechuun ittiin weeddisaa turan. Kana jechuun, Tafariin mana isaatti yaamee dhugaatii sana obaasuun sirrii akka hin taane qeequdha.

Bara kana booda Baqqalaan miseensa horachaa, humnasaa cimsachaa dhufe. Qabsaa'ota hedduus dabalate. Sababa isaanis ummatni Kuyyuu "Baqqalaa ofirra teessistanii dhoksitan" jedhamuun dararaa hedduu argan. Qabeenya ummataa hin saamne. Hin hatne. Jarri garuu shiftaa isin saamu dhoksitu jechuun maqaa balleessii itti maxxansan. Inni

garuu ifumatti tooftaalee garagaraa fayyadamee naafxanyoota Dargii, Oromoota sakaalaa turan dhabamsiisaa ture.

Baqqalaan uffata shamaraa uffatee shamara fakkaatees adeema. Gurgurtuu agamsaas fakkaatee agamsa baatee socho'a. Dirritoo uffatees kadhattuu fakkaatee diina gombisa. Yeroo baay'ee barreessaa mana amantaa Madaana'alam, Asaffaa jedhamu waliin walii hin galan. "Dargii waliin nutti duulte" jechuun Baqqalaan itti dheekkamaa ture. Diinasaa kana ajjeesuu barbaade. Shugguxii isaa mudhii keessa suuqqatee agamsa gurgurtuu fakkaatee agamsa baadhatee gara mana amantaa Madaana'alam qajeele.

Nama yeroo baay'ee mana amantaa kana fuuldura taa'ee kadhatu (Nuunnuu) kan jedhamu irraa dirritoo uffataa fudhatee uffachuun karra mana amantaa irra isuma fakkaatee taa'e. Asaffaan dhufee Nuunnuu dha se'ee, saantima kenneefii bira ol darbee oddoo mana amantaa seene. Akka seeneenis mallattoo yoo mallatteeffatu rasaasni duubaa keessa yaate. Baqqalaan itti dhukaasee biraa sokke.

Yaa Baqqalaa ilma Badhaadha Buttaa
Hin booninaa dhiira barandaarraa butaa

Jechuun Salaale yeroo kanas ittiin sirbe. Baqqalaan xiiqii jaallata. Shira xaxame argee hanga bakkatti galchutti duubatti hin deebi'u. Yeroo tokkos iddoo Qaammee jedhamutti waraanni Dargii kumaatamaan qophaa'ee isa eeggate. Waraana kana cabsuuf tooftaa baafate. Daa'ima xiqqoo fakkaatee, Harree yaaphatee, qawweesaa Harreerra gad ciibsee garmaamee bira gahe. Jarri garuu ijoollee dha, Baqqalaan akkanatti Harree yaaphatee dhufa jedhanii waan hin eegneef baay'ee miidhaman. Isaanuma bira gahee Harreerraa utaaalee lafa qabatee tuxsii itti eegale. Baay'een isaanii dhumatanis..., baay'inaan waan itti dhukaasaniif miliqee bahuu filate.

Cunqursaa ummata Oromoorra gahu callisee hin ilaalu. Kanneen qabsoo Oromoo ukkaamsuuf deeman osoo isaan hin beekin biyyoon walitti maka. Baruma 1967 qabamuu didee aanga'oota Dargiitti dhukkubbii mataa guddaa ta'e. Isa barbaachafis ganamaa galgala jooruu eegalan. Ajajaan Shantamaa Taaddasaa Waradaa fi deeggaraan isaa Ayyalaa Kaasany bara kana isa barbaachaf baay'ee naanna'aa turan. Guyyaa tokko isa barbaadaa oolanii dhabanii, dadhabanii osoo galuuf adeeman inni laga Heeyyii jedhamutti fuuldura bahee eeggate. Waraana guddaa erga walitti bananii booda, isaan lachuu wareege meeshaa waraanaa isaanis booji'e.

Muluu Hasanuu waliinis walii galanii qabsoo cimaa gaggeessanii jiru. Muluun bara 1962 paarlaamentii argatee ture. Haa ta'u malee, bara 1966 gad dhiisun gara qabsootti seene. Shallamaa (2010:332)

Dargiin 1966 aangooti yoo dhufu, Muluuf miseensummaan mana maree isaa hafe. Magaalaa dhiisees baadiyaa bakka dhalootasaa Darrootti galee qonnatti bobba'e. Dargiin aangoo qabatee irree yoo cimsatus Muluun akka qabamu loltoota itti ergaa ture. Muluunis qophaa'ee eeguun takkaa lamaan lakkaa'ee lafa isaan buuse. Dubbiin cimaa gaafa deemu bulchaa Kuyyuu kan ture obbo Abbabaa Tsiggee Muluutti jaarsa itti erge, mootummaa waliin akka araaramu.

Qabsoo Baqqalaan taasiseenis ummatni Oromoo hedduun garbummaaf harka kennuu dideera. Abbaa lafaa naafxanyootaa turan kan lafa Oromoo fudhatan hedduu ari'ee gad dhiisise. Abbaan biyyaa Oromoo akka ta'e, Oromoota hedduun akka of baran taasise. Oromoon barachuu akka qabu gorsee itti milkaa'eera.

Qabsoon Baqqalaa kun Dargii baay'ee yaaddoo itti naqaa dhufe. Kanaafis aanga'ootaa gara aanga'ootatti darbuun Baqqalaan harka waraanaan waan dadhabameef, harka namootuma Oromoo ta'een akka ajjeefamuuf qiqindeeffame.

Bara 1969 bulchaa G/Shawaa Kaabaa kan ture, gara aanaa Kuyyuu dhufuun "Namni Baqqalaa ajjeestan qarshii 20,000 fudhatee, dabalata bulchaa aanaa Kuyyuu ta'a" jechuun yaada namootaa jijjiire. Kanumaan namni lama Oromoodhuma ta'an ergama kana fudhatan. Qarshii fi aangoo argachuuf. Ebla 14, bara 1969 ture.

Baqqalaan jara kanneen fuuldura adeemaa jira. Ooltees, bultees waliin qabu waan ta'eef, hammeenya narratti hojjatu jedhee yaadee hin beeku. Kan inni beeku ummatni naannoo baay'ee isa jaallachuu fi gargaaruu qofaadha. Hanga gaafa guyyaan kun geessee faallaa itti hin garagaliniitti. Gantoota lamaan keessaa tokko Baqqalaatti duuban dhukaasee kuffise. Qarshiif jedhanii gooticha ajjeesan.

Baqqalaan rukutamus....., namicha isatti dhukaase kana rukutuuf baay'ee dhukaasee hin milkaa'in hafe. Du'a Baqqalaafis Salaale akkasiin mararsiifate.

Yaa Ittisaa, Ittisaa ilkaan foolleedhaa
Ni jarjarte Baqqalaan xinnoo ijoolleedhaa.....

Sababa du'a Baqqalaanis Salaale haaloo baasuuf mataa, miilli ka'ee fincile. Namoonni ajjeesan lamaan ennasuu badan. Bulchaa godina Sh/Kaabaa Koloneel Shaambal Wandimaagany waliin Fiicheetti boonbii konkolaataa isaa keessatti qabsiifameen namootni shan du'an.

Manni jireenyaa Baqqalaa Badhaadhaa yeroo san ijaarrate guddaan yeroo ammaa kana Waajjira Bulchiinsa ganda 02 magaalaa Garba Gurraachaa ta'ee tajaajilaa jira.

Sirbootni hawaasa Salaaleen sirbamaniif:

Motobisiin shararee
Magaalaa Birrittiittii

Yaa Baqqalaa nama

Oromoof du'e

Baqqalaa mataa ishimii

Qoricha du'aa natti himii

Yoo diddee dubbiin siif gamte

Yaa baddu qe'een hillimii.....

28. M/Jeneraal Jaagamaa Keelloo (1913-2010)



Fiqira Maarqos (2001:228)

Jaagamaa jechuun “Muka guddaa” jechuudha. Keelloo jechuun ammoo “Abaaboo masqalaati.” J/Jaagamaan bara 1913 aanaa Dandii ganda Yuubdoo warra gootaa (Gincii) tti dhalate. Fardi isaa Daamaa cimaa....., kan minniffatu ture. Umriidhuma isaa xinummaatti

farda waliin kudhaama walitti hidhan. Daamaa isaa waliin ni mari'atu. Wal jalaa dubbatu. Waliif ajajamu. Amala walii waliif beekanii waliin oolu. Umrii isaa waggaa 15 tti yeroo Faashistiin Xaaliyaanii biyya weerartu Daamaa isaa waliin galaana bosona Cillimoo fi Gincii guutuu. daakanii Xaaliyaanitti uffata salphinaa uffisan. Kanaaf maqaa isaa ganamaa iccitiin qabatanii "Abbaa Daamaa" jedhanii waamuuf dirqaman.

Keelloo Garoo abbaan Jaagamaa yeroo sadii moora uffatee jira. Akka aadaa Oromootti namni tokko moora uffachuuf ulaagaa loowwan /horii/ 1000 (kuma tokko) qabaachuu qaba. Abbaan Jaagamaa garuu tokko irra darbuudhaan yeroo sadii moora uffatee ture. Osoo "Kiila Lixuu" ta'ee ammoo carraa (gahee) yeroo kudhaniitifi hirma jechuudha. Kiila lixuudhaaf ammoo loon dhibba tokko qabaachuutu barbaachisa waan ta'eef.

Abbaan Jaagamaa akkuma akaakayyuu isaa Godaanaa Namoo ilma goota, saba isaa kan boonsu, qabeenya isaa daangaa hin qabne kan nyaatuu fi dhugu, Leenca dhalchuuf karoorfatee firootan isaa mari'achiise. Gosa isheetiin jabina kan qabdu, bareedinaan faaya, faayaa kan bakka buutuu fi akkuma akaakayyuu ilma Gissillaa ta'e, dubartii deechu Maccaa fi Tuulama, Arsii.... barbaadamte. Guyyaan guyyootan...., Jiini ji'ootan bakka wal bu'an.

Dhuma irratti kan ulaagaa jedhamte guutte gosa baalabbaataa gosa gootaa, burqaa miidhaginaa kan taate kan kumalaa Fayyisaa, Fayyisaa Iniiikkaa, gosa Iniiikkaa Elemoo "Dhallanduu" haati Elemoo Dullee naannoo Ambootti argamte.

Dhallanduu fi Abaaboon Masqalaa Keelloo Garoo gaa'ela waliin dhaabbatan. Mootummaan Iyyaasuu kufee Mootittiin Zawudituu yoo Naggastu, Li'ul Raas Tafarii Mokonnin immoo dhaaltuu siree (Algaa

Waraash) ta'an. Sababa kanaa Keelloo Garoo, Baalabbaatotnii fi jaarsoliin biyyaa akka harka fuudhaniif gara Finfinnee waamaman. Dhallanduun garuu ulfa dhihootti deessu turte. Keelloon Finfinnee taa'ee yaadan asii fi achi daaqe. Ciniinsuu Dhallanduu dhihootti jiraatee hordofuu dhabuu isaatiin dhiphate. Boodarra garuu ergaa tokko dhaammate.

"Dhallanduu! Torban lamaan dhufu guyyaa Kibxataa fi Roobii keessaa ni deessa..... mucaan dhalatu dhiira yoo ta'e, maqaa farda kiyyaan kennaaf. Jabaadhu haadha kiyya!" jedhee ergaa ergeef.

Gaafa Astaroo Maaramii guyyaa Kibxataa galgala bara 1913 A.L.H. Awuraaajjaa Jibaatii fi Maccaatti, aanaa Dandii iddoo Yuubdoo jedhamutti Gissillaan bilbila isaa waliin dhalate. Abbaan Jaagamaa ilmi dhiiraa dhalachuu isaa yoo dhaga'u, akkuma Korma Abbiyyaa baroode. Maanguddoon Waggaa Torbaatamaa akkuma Jabbii Onbossaa utaalaa cobbee dhiite. (Fiqira Maarqos, 2001)

"Dhallaanduu Warqii too! Bakka lapheen koo yaade naaf geesse. Maalifan akkanatti burraaqa? Maaliifan ijoollummaa waggootan hedduu darbee deemetti deebi'ee..... iccitii isaa hin beeku obboleettii koo. Daa'imni araasiin garuu foolii dhalootaa isaa waliin qoma koo jalatti marame (happeeffameera.) Edaa isa osoon eeguun jiraadhe! Edaa loowwan koos imboo.... Waa jechaa waamaa kan turan isaadha! Maaluma siif godhu damma tiyya! Daa'imaaf maqaa farda kiyyaa ittiin na waamaa turanii fi kan yoo ittiin na waaman na quubsu kenneef.

Dabalataanis Raada 100 badhaasee jira" jedhe. Sana booda qalbiin isaa sokkite. Midhaan nyaachuu dadhabe. Kanaafuu abbootii fardaa of duuban hordofsiisee Finfinnee irraa gara Yuubdoo gulufan. Abbaan Jaagamaa daa'ima kichuu isaa hammate. Laphee xinnoo, harka

xixinnoo fi miilota lama jaalalaan ilaalaa qoma isaatti hirkifatee “Raada dhibba tokko si badhaaseera” jedhe. “Tolekaa badhaafni baay’ate!” jedhan hiriyaan isaa tokko. “Dhageettee!” jedhe Abbaan Jaagamaa, “Leenci waggaa torbaatama erga turee, kana qaruutee... siif galaa laata?” Mana Abbaa Jaagamaa keessatti gammachuun ho’e.

Abbaan Jaagamaa, Jaagamaan erga dhalatee booddee waggaa kudhan turee bara 1923 A.L.H. boqote. Sanaan booddee “Ilma abbaan filate” jechuudhaan seerummaaf taa’uu, umrii qacaleedhanis ta’u, akka sirna Gadaatti sadarkaa foollee (umriin isaanii digdamii shanii hanga soddonii lamaatti) kanneen jiran waliin garmaama fardaa, Eeboo darbachuu, gaachana qabachuu fi qolannaa, bishaan daakuu, beelaa fi bishaan dheebochuu danda’uu barachaa amala gaaridhaan bocamuu itti fufe. Jaagamaa Keelloo Garoo Godaanaa!

Jaagamaan ijoollummaa isaatti waa’ee beekamtii akaakayyuu isaa Godaanaa Namoo baay’ee dhagaha. Godaanaa Namoo bulchiinsa isaa Daaniisaa gubbaa godhatee, lixaan hanga Amboo, bahaan hanga Ejeree, kaabaan hanga Gindabarat, kibbaan hanga Sooddoo kan jiru baalabbaatummaadhaan akkamitti gabbarsiisaa akka ture:- jalqaba namoota dhibba sadii fi shantama ajjeese. Achii ummatni wal gahee “Nama fixxee waraana kee nuuf darbi” jedhaniin. Godaanaanis qophiii qopheessee, ummata walitti qabee erga eebbifameen booda waraana isaa dallaadhaan alatti darbate. Eeboon inni darbate..... garuu biyya kan ijjibaachisee fi horii hatuuf kan dhufe “Jalaan Seenaa” kan jedhamu, hattuu waraane ajjeese. Yeroo kana Godaanaanis irra deebiidhaan eebbifamee waraana isaa kaasee namoota biroo dhibba ja’aa fi afurtamii sagal ajjeese.

Dhumarratti dhiigni namoota kanaa joonjessee osoo qe’eedhuma warra namoota jalaa fixee san dhaqee jiru, tikseen ulee qal’oo qara qabduun darbattee Godaanaa ajjeeste. Achii diina isaa kan ta’e tokko,

aariin reeffa isaa osoo reebuu.... lafeen tokko barartee ija seentee balleessitee waan ajjeestee, duuti Godaanaan jalqabumaa “Nama kuma tokko nan ajjeesa” jedhee dubbatee manaa bahe galma ga’eef, jedhu eessummi J/Jaagamaa obbo Sisaay Maammoo.

Daa’imni Jaagamaan yoo xinnaate yeroo kumaa oliif seenaa kana dhagaheera. Kanaafuu abjuun Jaagamaas akkuma akaakayyuu isaa Godaanaa Namoo goota ta’ee namoota hedduu ajjeesuu ture. Bara 1928 A.L.H Xaaliyaaniin bakka dursitee tolfatte Somaaliyaa irraa kaatee, Ogaadee fi Jijjigaa qubatte. Karaa Sidaamootiinis daangaa Itoophiyaa cabsitee..., Fulbaana 22 bara 1928 A.L.H tti Labsiin waraana banuu labsame. Muddee 15 hanga Amajjii 23 bara 1928 A.L.H.tti waraanni Raas Siyyum Maangashaa fi Raas Kaasaa waliin ta’ee Mishigii Xaaliyaanii cabsuuf waraana guddaa gaggeesse. Karaa Sidaamootiinis adda Doollootiin waraana Giraaziyaanii soddaa Hayilasillaasee duraanii Raas Dastaa waraanuun too’annoo jala oolfate.

Itiyoophiyaanotni Faashistoota Xaaliyaanitiin weeraramtee ummatni yeroo dhiphuu keessa seenee fi rakkoo sana bilisummaa biyya isaanii deebisuuf, goototni guyyaa rakkoo Itoophiyaa wal waamuudhaan, gaaraa fi qilee keessa loo’uudhaan falmii weeraraa ariifachiisan. Jaagamaan falmii weerartootaa ho’e keessatti dhalatee, yeroo dheeraadhaaf kan qophaa’e, hanga funyaanii hidhatee Xaaliyaanii rakkise.

Gootichi hoogganaa arbanyaa Jaagamaa Keelloo arbanyummaadhaan bosona cillimoo keessa osoo jiruu, waa’ee seenaa Itoophiyaa fi birmadummaa biyya isaaniitiif hooggantoota morma isaanii diinaaf kennan baay’ee dhaga’ee jira. “Nutii hiriyyoota” kan jedhan Xaaliyaanin Itoophiyaa weeraruuf karaa Galoo Galaana Diimaatiin dhuftee osoo jirtuu Maahidistootiin Suudan karaa Kaabaatiin waraana isaanii

walitti qabatanii, yeroo lammaffaadhaaf Itoophiyaa miidhuuf karaa Kaaba Gondar naannawa Matammaatiin, yeroo sana Nugusa kan ture....., Atsee Yohaannis 4ffaa biyya isaatiif jecha morma isaa akka kenne kan bare, yeruma arbanyaa ture sanaadha.

Atsee Yohaannisitti aansuudhaan yeroo mootummaa Atsee Minilik 2ffaa faashistootiin Xaaliyaanii biyya Itoophiyaa akka malaatti..... weeraranii bara 1888 A.L.H.tti waraana Aduwaa irratti gaggeeffameen Itiyoophiyaanonni eeboo fi goraadeedhaan waraananii, humna waraana ammayyaa hidhatee ture..., Xaaliyaanii moo'achuun isaanii fi ummata gurraacha birattis bilisummaa gurraachotaa seenaan hin daganne ta'uu isaa fi iddoo guddaanis kan kennamuuf ta'uu achuma bosona keessatti yeroo arbanyaa ture barate. (Fiqira Maarqos, 2001)

Jaagamaa fi lagni Awaash naannawa tokkoo burqan. Jaagamaan jalqabumaa yeroo daa'ima ture sana angafa angafootaa obboleewwan isaa kan ta'e, dargaggeessa dardara ta'ee gaggeessaa arbanyoota 3500 yoo ture, amanamummaa guddaa ofirratti kan qabu yoo ta'u, barumsa ammayyaa kan qaban, Galaana guddaa ce'anii.... leenjii raayyaa waraanaa kan fudhatan, jireenya qaroominaa kanneen qabanii fi jiraatan hunda goota gabbarsiisu ture.

Akkuma akaakayyuu isaa ta'uudhaaf guyyaa tokko iyyuu otoo hin nuffin, abjuu isaa waan tureef, waraana Xaaliyaanotni Aduwaa irratti moo'atamaniin gadoo hadhaa garaatti qabachuudhaan Itoophiyaa irratti haaloo ba'achuudhaaf yeroo lammaffaaf biyya Itoophiyaatti meeshaa waraanaa ammayyaan seenanii jaarsolii fi daa'imman yeroo ajjeesan, muudama kennuu fi irraas mulquu, qabeenya manaa hawaasa isaa yommuu saamuu fi gubu, muka ofii isaatii hin dhaabin yoo muruu fi farda hin guddisiin yoo ittiin gulufu,.... morma isaa gadi qabatee cubbuun weerara isa dhiphisee, hawaasa isaa boo'u..., bilisa baasuuf, qaanii balleessuuf, "Yaa bosona na waami. Yaa hallayyaa

dhoksaa na waami" jedhee jireenya arbanyummaa jalqabuuf murteeffate.

Jaagamaan deemsa isaatiin dura ilma Abbaa Dooyyoo, Asaffaa Abbaa Dooyyootiin "Shiftaa yaa taanu" jechuun amansiisuuf yaalii godhe. Assaffaanis yaada Jaagamaa kanaan tasgabbi dhabe. Gootummaan isaas akka nama alkoolii dhugeetti qaama isaa keessa faca'ee macheesse. Jaagamaanis onnee isaa irra caalaatti ho'isuudhaaf ibidda sirriitti bobeeche. Onneen Asaffaatiis ni gaale. Dhuguma onneen isaa, qaama isaas dafqisiisee akka chiffeetti bahe.

"Egaa murteesseeraa!" jedhee Asaffaanis.

"Maal murteeffatte?" jedhe Jaagamaan onneedhaan.

"Nan Shaffata. Warra akka lixii dhangala'aa addaatan kana nan falmadha" jedhe, Asaffaan onneen isaa raafamaa. "Egaa na hordofi" jedheen Jaagamaan. Qawwee Mugzeerii dhoksaan ture Abbaa Dooyyoo eessuma isaa jalaa fudhatee gateettii isaa irra godhate. Jaagamaan Asaffaa waliin qe'ee gad dhiisee bosona gale. (Waajjira Aadaa fi Tuurizimii Aanaa Dandii, kitaaba Fiqira Maarqos wabeeffachuun).

Baay'ee osoo hin deemin..... sagalee xiyyaaraa dhagahan. Si'a tana, Jaagamaan ilma eessuma isaa Asaffaa ofirra garagalee ilaale. Uffatni Asaffaan uffatee jiru adii ture. "Koottu, fiigi, ana hordofi!" jedheen Asaffaan karaa muka xixinnootti qabatee fiige. Jaagamaan garuu baay'ee dhiphate. Uffata Asaffaa baala dibuu barbaade. Xiyyaarichi garuu dhiyaachaa waan dhufeef yaada isaa jijjiiruudhaan, akka lukkuu haadhoo ilmoolee isheetti koola irra aftee culullee irra dabarsuuf gootuu, Asaffaa of jala kaawwatee dhoksuun xiyyaarattii ofirra dabarse.

Dargaggoo Jaagamaan gochi isaa kan daa'ima fakkaatus..... uffatni adiin paayileetii xiyyaaricha balaliisutti waan muldhatuuf, sababa kanaanis dhiibbaan irra gahuu akka danda'u eenyu illee osoo hin barsiisin waan hubateef, kennaa uumamaa waraanaaf akka qabu agarsiisa. Umrii isaa waggaa 15 tti Asaffaa Abbaa Dooyyoo amansiisee of hordofsiisuun bosona galee arbanyaa ta'e. obboleewwanii fi obboleettiin isaas duuban hordofan. Qonnaan bultootni, humnootiin waraanaa, konkolaachiftootni itti makaman.

Bara 1926 A.L.H. tti dhirsa argattee gara Wallaggaatti deemtee kan turte obboleettiin isaa Leenseen, heerumtee waggaa lamaan booddee "Obboleewwan kee shaffatan" jennaanin dhirsa ishee hiiktee bosona keessatti Jaagamaa fa'a waliin walitti makamte. Dhufitiin Leensee Jaagamaadhaaf jabeenya biraa kenneef. Qeerroon Oromoos Jaagamaatti makamuudhaaf guyyaa guyyaadhaan yaa'uu itti fufan.

Jaagamaa fi hordoftootni isaa hanga humna jabeeffatanitti bosonatti qorattoota sinbiraa /Arnitoologist/ ta'an. Sinbirroota ni ilaalu. Amala sinbirrootaa hordofu. Dhumarrattis Afaan sinbirroo qo'atan. "Sinbirroon keessummaan ni dhufa jette. Sinbirroon deemaa jette. Sinbirroon gaariidha jette....., jechaa hiikuu eegalan. Sinbirroonni nageenya fi tasgabbi barbaadu. Sinbirroonni hin odeessan. "Jiraadhaa, inni biroos akka jiraatu heyyamaa" kan jedhu jechama tooftaa jireenya isaaniti. (Fiqira Maarqos, 2001)

Jaagamaan arbanyummaadhaan jiraachuu akkuma jalqabe gaafa tokko mana fira isaa tokko turee, nama karaa deemu, dadhabaa fakkaatee karaa yoo kutu, waraanni baandaa Xaaliyaanotaa sadii (3) meeshaa waraanaa itti qajeelchanii ajjeessuuf, yoo jedhan....., argee isaan dursuudhaan isa tokko madeesse. Waraanni Xaaliyaanotaa bosona Cillimoo jiranis miidhaa irra gahe kanaan gaggeessitootiin faashistootaa lolan. "Baaqelaa dheedhiin tun yoo bulte hin

qoroxxomamtu" jedhanii si'annaa kana kichuutti kutuudhaaf murteeffatan. Murteeffatanii hojiirra oolchuudhaaf namoota waa'ee naannawa sana jiru beekan gaafachuuf deeman.

Xaaliyaanootiin namoota naannoo sanaa keessaa eessuma Jaagamaa Abbaa Dooyyootiin "Ati shiftaan hin jiru jechaa nu ajjeesifta" jedhanii muddan. Abbaan Dooyyootis "Isin nama irratti yoo qawwee dhukaafan ummanni isin hin dhiisu..., isinitti dhukaasu; ta'uu baatu isinittan hima shiftaan hin jiru" jedheen.

Galgala garuu Jaagamaatti ergaa dabarse. "Jaagamaa! Shiftaan yoo nutti dhukaase si ajjeefna naan jedhan. Kanaafuu isaan ana ajjesuurra, ati yoo na ajjeefte wayyaatii, heyyamamaa yoo taate naannawa kana gadi naaf lakkisi. Ajaja Xaaliyaanotaatiin boru isaan waliin dhufee mana kee gubuu walii gallee jirraati" jedhee dhaamef. Guyyaa itti aanu Abbaan Dooyyoo xaaliyaanota hordofsiisudhaan bakka Ambaa Sangootaa irra bahuudhaan mana Jaagamaa yoo guban...., dargaggeessi, Jaagamaan daawwitii dirree waraanaatiin dhokatee ilaalaa ture. Goosh daa'ima isheetiif jecha waraanamte, akkuma jedhamu, ilma eessuma isaatiif jecha dargaggoo (Qeerroo) arbanyaana obsaan dabarsee xinnaa guddaa ta'uu isaa agarsiise.

Bara 1928 yeroo weerara Xaaliyaanii sana karaan konkolaataa Gincii gara Gaajjii geessu hin jiru ture. Gaajjii fi Cillimoon garuu bakka muka itti baqaqsan ture. Achuma keessatti gabra Dajjaach Gabrasillaasee akka ture kan himamu, kan uffate baandaan Xaaliyaanii loltoota 350 qabatee Gaajjii irratti qubatee ture. Ilma eessuma Jaagamaa kan ta'e obbo Dibaabaa Hurriisee Oromoota, Amaartota, Tigroota fi naafxanyaa qindeessee waraana yoo walitti banan..., Jaagamaan waraana qabatee, obboleessa isaa Giddii Keelloof rasaasa baadhatee iddoo waraanaatti argamee ture. Waraanni yoo jalqabu, rasaasni yoo wal nyaatu....., Jaagamaan tasa gara leencaatti of jijjiire.

Ijji isaas xiyyeeffannoo kennee, hiddi isaas dhidhiitawe. Irreen isaa akka sibiilaa jabaate. Miilli isaa lafa kan dhiitan ta'e. Sana booda rasaasni akka aaraa, dhukkee osoo wal daakuu, reeffi asii fi achitti osoo kufu, osoo arguu kanneen muuxannoo dirree waraanaa qaban caalaa akka qeerransaa utaalee eeboodhaan waraanee kokkee diinaa qabatee meeshaa qawwee lama irraa mulqe.

Jaagamaa bosona Gincii caalaa hawaasa isaa Ginciitiin abdata. Guutuun Yuubdoo, Sangootaa, Ichilibbee, Goobaan, Meettaa kan ta'an hunduu oolmaa abbaa isaa ofirraa kan qabaniidha. Yoomiyyuu harka abbaa isaatii kan hin nyaatin, hin dhugin, horii kan hin fudhatin waan hin jirreef hundumtuu..... deeggaraa isaati. Namootni baay'een lukkuu fi killee qabatanii, Xaaliyaanotatti gurguranii baandaa Xaaliyaanotaa irraa rasaasa bitanii Jaagamaaf geessu. Suutuma suutan immoo waraanni Xaaliyaanii sochii godhu himuudhaan baay'een isaanii keessoo arbanyootaa ta'an. Haaluma kanaan arbanyoonnis, waraana tasaatiin miidhaa geessisuudhaan Xaaliyaanota qoruu eegalan. Xaaliyaanotnis Jaagamaa fi hiriyyoota isaa qabuudhaaf yaalii eegalan. Manas guban. Garuu Jaagamaa fi arbanyoota qabuun yaa hafuutii itti marsuu hin dandeenye. Inumaayyuu Jaagamaa Xaaliyaanonni yommuu horiitti rasaasa isaanii fi meeshaa waraanaa fe'anii deeman horii ajjeesudhaan.... dhukaasa sakatta'iinsaa banuudhaan rasaasa isaanii fixachiisanii Xaaliyaanotnii fi baandaan isaanii yoo dheechan rasaasa kuufachuu itti fufan. (Figira Maarqos, 2001)

Maqaan Jaagamaa kun suutuma suutan Xaaliyaanotaan sodaachisaa ta'aa dhufe. Jaagamaa yoo dhufu "Mishigiin" Xaaliyaanii sodaadhaan diigamuu jalqabe.

Arbanyootni mandara seenanii waan argatan erga nyaatanii booddee bosona Sangootaa seenanii "Gaattiraa Jaagamaa" bakkee jedhamu jalatti gaaddisa godhatanii ciisu. Gaattirichi Roobni yoo roobe iyyuu

kan hin dhimmifne walitti tuucha'aadha. Yoo rafan iddoo diinni jiru qarree gubbaatti bahuudhaan hanga Jaagamaa faati rafanitti kan duubarraan eegu waardiyaatu jira. Waardiyaanis yommuu diinni sosochii godhu yoo dursee arge meetira 500 fiigee kan isatti aanee jirutti hima. Kan itti aanus utaalee kan itti aanutti hima. Haala kanaan ergaan akkuma fiigicha wal harkaa fuudhinsa ulee qaama bira gahuu qabu bira dhaqa. Kanaan ala sagaleen wal waamuun dhoorkaadha.

Bara 1929 hanga 1933 tti Jaagamaa bakkee Gaajjii jedhamutti kan argamu "Mishigii" Xaaliyaanotaa irratti akkuma Bakakkaa Bonaa tasa irra bu'uudhaan balaa uumuudhaan diina qoruu fi facaasuu itti fufe. Weerartootnis qeerroo abbaa balaa kana too'annaa jala oolchuudhaaf kan ittiin mooksanii fi akka badhaasaatti kan kennamu nama Jaagamaa qabeef kan kennamu ta'uu....., isaa dhoksaadhaan beeksisan. Gowwoomsee, dagachiisee kan qabu barbaachan dadhaban. Guutuun hooggansi Gaajjii mataa fi miilli qeerroo hoogganaa arbanyaa kana qabuudhaaf dhagaa argan hunda garagalchuu eegalan. Mana isaa guban. Guyyaa guyyaadhaan hordoftootiin isaa dabalaa kan dhufan Jaagamaa too'annoo jala oolchuuf, gogsuudhaaf waraanni xaaliyaanii naannawa Gincii Harootaa bakka jedhamutti "Mishigii" cimaa isaa ijaarratan. Waraanni Xaaliyaanotaa mishigii isaanii itti dabaluuudhaan Jalduu fi Gindabaratitti ammoo babaldhifachuuf yommuu socho'an qeerroon gaggeessaa arbanyootaa ta'e, kunii fi arbanyootni isaa mishigii dabalataa hojjachuu dhiisitoo, kan dura ijaarratan keessa iyyuu akka fedhan socho'uu akka hin dandeenye isaan dhoowwan.

Jaagamaa Dajjaazmaach Garasuu gargaarudhaan weerartoota Xaaliyaanii erga moo'atanii booda ergaan atattamaa Ejeree irraa dhufeef. "Jaagamaa! Wanti irratti mari'annee turre sun dhumateeraatii har'a, boru osoo hin jedhin waraana kee hundumaa

qabatee baratee akka dhuftu.....” jedha ergaan arbanyaa keessaa aadde Shawaaraggad. Aadde Shawaaraggad Gadilee Mishigii Ejeree (Addis Alam) cabsamee waraana sabaatiin (Lammiitiin) akka saamamu dursanii kan mari’atan gaggeessaa kaampii waraana Xaaliyaanotaa kan turan, Qanyaazmaach Abraaham booda ajajaa dhibbaa kan ta’an, obbo Hayiluu, Adimiqqee Baashaa, Mangistuu W/Mikaa’el fi Siyyum W/Amaanu’eel fa’a waliin ture.

Jaagamaa fi Dajjaasmaach Garasuun ergaa Shawaaraggad yoo dhagahan addaan bahuu isaanii wanta ta’uuf ni gaddan. Abbaan onnee guutuu leencichi Jaagamaan Garasuu waliin turuu barbaadus, falmii isaa cimsuuf meeshaa waraanaa barbaadu saamuuf, miila Xaaliyaanotaa cabsuun mishigi Gaajjii irra jiru cabsuun olaantummaa argachuu qaba. Kana irraaniyyuu darbee arbanyootni bebbeekamoon biyya keessa jiran, irratti buleetiin arbanyaa keessaa Shawaaraggad Gadilee ergama kana fakkaatu isaaf kennuu isaanitiin lapheen isaa gammachuun utaalte. (Fiqira Maarqos, 2001)

Kanaafuu Jaagamaa, Zawudee Xilahuun, ajajaa kumaa Xanqeessaa, Abbaa Kumaa (Shaambal) Giddii fi hooggansa isaa jala kanneen jiran walitti qabatee.... mishigii Ejeree (Addis Alam) jiru cabsuuf gadi fageenyan akka mari’atan godhe. Dhumarrattis mishigii cabsuu raawwachuuf murteeffatanii Abbaan Daamaa Jaagamaan arbanyoota isaa dursaa.... gara Ejeree hatattamaan imalan.

Yaadni dandeettii bulchiinsaa fi kutataa ta’uu isaa adda baasu tokko Jaagamaadhaaf dhufe. “Finfinnee gara Ambootti karaa gubbaadhaa Xaaliyaanotni waraana 600 qaban dhufanii naannawa moonaa kaampii Karbinerii cinaatti qubatani jiru. Waraana qaban irratti humni dabalataa kun waan jiruuf mishigii cabsuu fi meeshaa waraanaa saamuun karoora qabamee tureef rakkoo fiduu danda’a. Waraanni Xaaliyaanii naannawa sana gadi lakkisee hanga deemutti

karoora kana guyyaa birootti osoo dabarsinee?” yaadni jedhu dhiyaatef.

“Iddoo kana geenyee, arbanyoota keessatiin ni dhufna jennee, hundumtuu kutannoodhaan falmuuf qophaayee dudduubatti deebi’uun gonkumaa hin yaadamu. Yaada anatti himame kana..... gonkumaa nama biraatti akka hin dubbanne. Ani dhagaheera. Oduun kun ana bira gahee dhaabbateera” jedhe, Jaagamaan nyaara fuula isaa guduunfee. Ergamichis akka galeef ibsuuf harka fuudhe. “Ani akkan dhagahetti nama birootti akka hafuura hin baafanne” jedhee irra deebi’ee ajaje Abbaan Daamaa Jaagamaan. Galgala keessaa sa’aatii 1:30 tti gara mishigii dhiyaatan. Waraanni dhukaasaa yoo banamu, Bakakkootni Bonaa hunduu bakka itti ramadamanitti ergama isaanii bahuudhaaf sosocho’uu jalqaban. Jaagamaan faati kallattiidhaan ibsaa ibsuudhaan, iddoo waraanni Xaaliyaanotaa Irbaata nyaatanitti dhukaasan muddanii ajjeesan. Galma nyaataa keessaa gara galma isaanitti yoo fiigan hooggantoota Xaaliyaanotaa digdama (20) keessaa kan hafe nama 2 ykn 3 qofa turan. Kanneen gamoo irra bahanii boombii gadi darbatanis, Jaagamaa fi Zawudeen akka weennii fururfamanii bahuudhaan afaan isaanii cufan. Meeshaalee waraanaa fi waan barbaadan hunda fe’atanii, Xaaliyaanii barbadeessanii sokkan. Leencotni Mishigii Xaaliyaanii cabsanii salphisan.

Maqaan Jaagamaa ulaa, baddaa fi gadi, gaara gubbaa fi pilaatoowwan guutuu naannawe. Tiksootni fi dubartootni ittiin sirbanii dhiichisan. “Nama keessas namni ni jira; guyyaa haati deessee eegalee badhaasan kan guuttame, hiriyootni isaa gara tikseetti yoo ba’an teessoo qabatee kan murteessu..... qeerrummaa isaatti arbanyaa ta’uudhaan..., waggaa shan guutuu weerartoota Xaaliyaanii akka gogaa jiidhaa dhisee, akka ibiddaa laballabee, akka goondaa uka keessa seenee qimmiidee,..... jaalala kan argatu, deebisee kan kabajamu nama bashannanaa” Jedhamee, akaakayyuu isaa Godaanaa Namoo caalaa

gootummaadhaan maqaan isaa daangaa hanga daangaa biyyattii faca'e.

Jaagamaa Abbaan Daamaa Jalduu yoo gahu, waraana Xaaliyaanotaa nama 13, baandaawwan 500 iddoo gara garaatii dhufan booji'uudhaan gara Ginciitti deebi'e. Osoo baay'ee hin turin Arbanyootni fi maanguddootiin biyyaa walitti qabamanii mari'atanii Jaagee Jaagamaan "Waggaa 5 guutuu gaggeessitee, waraantee moo'achuudhaan nu geessitee jirta. Si muudna. Aangoo siif kennina nuuf heyyami," jedhaniin. Inni garuu, "Hojiin koo maqaa kiyyaan yoo waamame na gaha!" jedhee dide. Ummatni garuu keewwata teessisee akka kanaa gadiitti gooticha faarsuu itti fufan.

Jaagamaan daggala ciisaa
Sinbira seetee hin darbatinii
Mosoloniin Samii irra deemaa
Mootii seetee hin abdatinii
Jaagamaan Keelloo ajjeesee galaa
Of jajjuu baandaa qawween ishee lamaa
Jaagamaan dullaa oofkalatee galee
Baandaa ishee gantuu, kokkee ishee qalee
Jaagamaa akkam jirtaree
Leenca Jibaat walakkaa
Sabboonticha Oromoo
Yaa isa leelii Bakakkaa
Yaa Jaagamaa gaaddisa goda hiyyeessaa
Mee naaf garmaamii
Uffadhuu Kalloo Leencaa

*** **

Hawwiin Jaagamaa adamoo turee
Ajjeesee galuuf, Baqqoofaa bu'ee
Tapha fardaafaa jaallata turee
Qeerransa Keelloo guddisa tolee

Biyyi weeraramnaan hawwiisaa dhiisee
Faranjii fixuuf bosona ciisee
Bineensa dhiisee baandaa caccabsee
Xaaliyaanii dhufte asitti hambisee
Allaatti Jibaat ni bulche quubsee

*** **

Baandaan sodaattee fincaan ishee buustee
Hambaan rasaasaa eessa akka buutee
Ishoo! Leenca koo бага dhalattee
Haati si deesse osoo dabaltee
As ba'ii Dhallanduu shurrubbaa mudhii
Guduruun Jaagee yaa gahu mudhii
Rifeensa Jaagee, yaa dheerina isaa
Harmee dabalii kormee akkasaa
Qaxalee Keelloo yaa ajjeesaa koo
Mirgaan naa gali, yaa bareeda koo
Jettee eebbistee haati Jaagamaa

*** **

Gulufaa fardaa abbaa farda Daamaa
Yaa Leenca Jibaat gidirsaa dhiiraa
Hijibbaachisaa, finiinsaa diinaa
Abbaan Jaagamaa carra-qabeessa
Dabeessi hin jiru dallaa isaa keessa
Hunduu qabatee deemaa qawweesaa
Kan isaa maal himuu dhiira dhalasaa
Kan Leensee Keelloo, kan Xanqeessaa

*** **

Laftuu gubata ibidda saafa'aa
Keessaa Jaagamaan yaa rukuttaasaa
Matariyeesiin abbaa bishaanii
Ibidda Roobaa karaa afaanii
Xaaliyaanii fixee, yaa geerarsaa isaa

Hiriyaa hin qabuu jabinni onneesaa
Fiqira Maarqos (2001:95-96)

Bara 1934 jalqaba irratti bobbaatii waraana Jimmaa irraa moo'atanii yeroo deebi'an, arbanyootni kuma sadii dargaggeessa Jaagamaan kan gaggeeffamu, ajaja mootummaa Hayilasillaaseetiin wanti ittiin jiraatan kennameefii gara hojii isaanii..... qonnaatti deebi'an. Caamsaa 9 irraa eegalee ammoo arbanyoota dhibba shan qabatanii aangoo ajajaa kumaatiin leenjii waraanaa moonaa Hoolotaa seenan. Jaagamaa fi arbanyootni biroo kan akka Aluulaa Baqqalaa waardiyaadhaan alatti leenjii loltummaa ji'a ja'a leenji'anii eebbifaman. (Fiqira Maarqos, 2001)

Naannawa bara 1936 irraa eegalee ummatni Baalee fincila mootummaa gabroomfataa Hayilasillaasee irratti taasisaa ture, qabbaneessuuf duulli Fetawraarii Inquusillaaseedhaan gaggeeffamaa tureera. Hanga bara 1957 tti ammoo lolli cimaan dhufe. Goototni Baalee kan duubatti hin deebine qabsoo bobeessan. Lola kana dhaabsisuun rakkisaa yeroo ta'u, Hayilasillaaseen Oromoo, Oromoon qabuu wayya jedhee tooftaaf, Jaagamaa Keelloo naannawa 1962 gara Baalee erge. Jaagamaan Oromoodha. Hayilasillaaseen ammoo cimina Jaagamaa ilma Oromoo kana waan beekuuf...., iddoolee garagaraa lolli /jeequmsi/ itti hammaatetti erguun akka tasgabbeessu taasisa.

Haaluma kanaan Jaagamaan goototni Baalee bosona jiran harka kennatanii mootummaa Hayilasillaasee dhiifama akka gaafatan taasisa. Hayilasillaaseen tarkaanfii fudhatee, akka qabbaneessuuf ergus Jaagamaan lubbuun ummata nagaa callisee dhumuurra jedhee dursa ummata baasee karaa nagaan mari'achiise. Kanaanis araarri gama lamaanii akka bu'u taasisuuf jecha goototni hedduun akka harka kennatan godhe. Dabalata, Shallamaa (2011:278) yoo ibsu,

"Jaagamaa Keelloo mootummaa Hayilasillaaseen muudamee gara

Baalee yoo deemu ummata sossobee ofitti qabachuu yaalaa ture. 'Goototni Baalee harka akka kennatan kan nu taasisa Jaagamaa Keelloo ture.' jedha Aliyyii Cirriin seenaasaa yoo himatu."

Ammas, Dirribii (2017:103-104) ragaa kana yoo ba'u,

Yeroo waraana Baalee, akka Jeneraal Waaqoo Guutuu harka kennu, Hayile Sillaaseen xalayaa/barreetti adda addaa itti ergaa ture. Jeneraal Waaqoon immoo xalayaa sana harkaan hin xuqu ture; garuu namoota Afaan Amaaraa beekan erga dubbisiisee booda ni guba ture. Maaliif gubdaa xalayaa sii dhufan, maaliif ol hin keessuu? Jennaan "Hayilee sillaaseen falfaltuudha; akkuma Jengraal Jaagamaa Keellootti falfatee, raatessite ergataa jirtu anaanis na raatessitee na ergachuu barbaaddi. Kanaaf, xalayaa falfaltu biraa dhufte, mana kiyya hin kaa'u" jedhan.

Kana yaa ta'u malee, Jaagamaan dirreen Baalee dirree misoomaa waan taateef, naannoo sana haalaan misoomsuu fi kunuunsuu irrattis xiyyeeffatee ture. Fakkeenyaaf Paarkii Baalee dallaa itti ijaarsise isa tokko.



Fiqira Maarqos (2001:255)

Yeroo M/Jeneraal Jaagamaan Paarkii Baaleetti dallaa ijaarsisu.

Jaagamaa Waldaa walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa keessattis hirmaatee jira. Muddee 10, bara 1957 yeroo, sochii qormaataa keessa turtetti waldaa walgargaarsa Maccaa fi Tuulamaa irraa xalayaan Koloneel Alamuu Qixxeessaatiin kan qophaa'e Jeneraal Jaagamaadhaaf kenname. Xalayichis Jaagamaan qindeessaa fi miseensa gorsaa akka ta'u kan beeksisu ture. (Fiqira Maarqos, 2001)

Jeneraal Jaagamaan haadha manaa warraa Zawudituu fi Asteer Asfaaw jedhamtu waliinis bultii ijaarratee ilmaan Afuris horatee jira. Walumaagalatti bara isaa keessatti qabsoo gurguddaa taasissee baandaa Xaaliyaanii dhabamsiisee jira. Keessumattuu Xaaliyaanotni yommuu booji'aman gootota Oromoo biroon booji'amuurra Jaagamaan booji'amu irra filatu. Haa ta'u malee, goototni Oromoo hedduunis akka harka kennataniif wabii guddaa ta'eera. Seenaan Jaagamaa baay'ee bal'aa waan ta'eef, kitaaba Fiqira Maarqos Dastaa, (Jaagamaa Keelloo; Ye Bagawu Mabraaq) jedhu Afaan Amaariffaan barreeffame jiru ilaaluun ni danda'ama. Yeroo ammaa seenaa Jaagamaa gadi fageenyaan namni himu waan hin jirreef irra caalaa seenaa kanaas kitaaba kanarraa hiikuuf dirqameera.

M/Jeneraal Jaagamaa boodarra umriin maanguddummaas itti hammaachaa erga dhuftee booda....., dhukkubsatee bara 2010, A.L.H. umrii isaa waggaa 97 tti boqochuun mana Amantaa Kaatederaal Sillaasee Finfinneetti awwaalame.

29. Maaf Na Hubachuu Dadhabde....?

Seera uumaatu cabe. Har'as nan iyya...., har'as nan tottooba. Otoo tolti tolee, ekeeraan hin iyyu. Sinbir balali'i., jedhee, araddaatti dhaamsa hin dhaammatu. Yaa Leenca baroodi jedhee lafa namaa mukni jirutti ergaa hin qaqqabsiisu. Tulluu dubbadhu. Samii addaadhu. Lagni hin danbali'in. Abbaayyaa hin socho'in..., Malkaa hin irreeffatamin. Qilleensa seera uumaa eegdee akka Jawwee hin bubbisin. Lafti magariisa hin biqilchin. Sanyiin hin mutin, jedhamee hin lallabamu. Seera tumaa uumamaa miti. Seera uumaatu cabe. Kanaafan iyye iyye..... uuu jedhe.

Hidda dhaloota koo, latii Kuush koo...., Orom kootu kaayyoon ani wareegameef dagatee adaraa koo nyaate. Kanaafan seera uumaa cabsee iyye..... Iyye! Manii dhooseen tobtooba hallaanduu tobtoobe. Orom koo of wareegefitu fuuldura koo dhaabbata. Orom koo diinatti dabarsee na gurguratee, na wareege osoo hin taane, Orom koo Abbaa Gadaa seera Gadaaf kaadhimame. Isatu fuula koo duraa daaddisa. Dararaa isaa arguutu na guba. Cinaacha koo na waraana. Kanaafan iyye. Iyyeen iyya dhabe, du'een booyicha dhabe....iyye.... iyyee.....uu..uu....jedhe.

Itillee waatuu silaa duuba ilaalaniit manaabu. Isa qalbiin baddee, imalli duubdeebii dhabde, leele caafanii dhalootan hirriiba iccitii qabsiisu. Ayi yaa dhalootaa! Harki kee nadhii galaanaa, irri kee Warqee sibiilaa! Harki kee hoo lamaa., tokko bakkolluu baateet rajiiiji bishaanii haadha. Harkuma kee san tokkoon qabaniit harka kee tokkoon nyaatu.

Lammii kootu kutaadhaan wal qoqqooda. Orom kootu dhiigasaa

aangoo fi maallaqaan gurgurate. Wal hubachuu dadhabeetu amantaan, kutaan, lagaan, gosaan, balbalaan wal qoqqoodee diinaaf karaa bana. Oromticha beekaa koo keessa taa'ee....., alagaaf laate. Dhiiga buusee dhuge. Kaayyoon an du'eef dagate. Muu!..... Oromtichas miti kun. Goobanaadha! Goobanaa harka summiin Oromticha qabe. Dhiqadhe! Harka summii Goobanaan ittiin nu qabe dhiqadhe! Dhiqadhe.....

Orom koo! Kan Goobanaa utuu faarsitanuu, Goobanaan lama lama isin keessatti oofkale. Orom koo beekaadha. Wallaalaan isaa kan maqaa Oromummaa akka uffataa uffatee, adeemu ammoo, kutaadhan wal sin qoqqooda. Amantiidhaan waliif sin loogsisa. Aangoo fi maallaqaan dabarsee sin gurgura. Qaamni keessan, qaama koo keessa jira. Dhiigni koo dhiiga keessan keessa jira. Yoo isin dhukkubsattan lafeetu na waraana. Yoo isin dararamtan cinaacha kootu dhiiga. Ergan du'ees ekeraan koo boqochuu dadhabe. Maaf na hubachuu dadhabdan? Kanaafan iyye. uu..uu....! jedhe. Iyye....

Yoo isin beeloftan, anatu beela'a. Maaloo adaraa koo nyaattanii, kaayyoon ani wareegameef dagattanii wal hin gurguratinaa! Maaloo wal hin qoqqoodinaa! Ekeraa kootu boqonnaa dhabe. Nutiin kaleessa baay'ee keenya..., dabarsee kan gurgurate qaamuma keenya. Har'as kan akkas isin keessa jiru. Yeroo dhiigni keessan jigu, lilmootu cinaacha koo waraana. Kanatu ekeraa koos haara galfii dhoorke.

Orom kootu rakkatee watwaate. Du'a ilma isaatu irraa dhaabbachuu didee watwaannaa fi iyyi baay'ate. Du'ee awwaalcha dhabe. Kufee ka'uumsa dadhabe. Rakkataa fi dhukkubsataa keessan yaaluu dhiistanii dhukkubsachiiftan. Mee waan tokkon sin gaaffadha. Yeroo kamuu guyyaa fi bara eegdanii seera uumaan, kan gaa'elaaf geessan gaa'ela keessan ni raawwattu. Gaa'elicharrattis qophii guddaa qopheessitu. Namoota hedduu yaamtanii, nyaattanii dhugdani

dhiichistu..... Booka untanii cooma murtu. Hafteen yoo hafee fi quuftan ammoo ni gattu yookiin kadhattuuf darbitu. Yaa ta'u.

Mee itti yaaddanii kadhattuu cidha kan yaamtan jirtuu? Namummaa isaatti amantanii beektuu? Nan amana seera uumaa hin cabsine kadhattuu kan cidha yaamee beeku hin jiru. Hiyyummaa isaa qofatti amantanii....? Moo waan qaama hir'uu ta'eef? Moo waan karaarra taa'ee kadhatuuf qofa? Namummaa isaatti amanuu dadhabdanii? Kan biraa yaa hafuu..., yeroo inni uffata walirratti darratame, uffatee harka sinitti qabu, uffatni isaa akka sin hin xuqneef nyaara guurtanii ofirraa darbattan meeqa keessan? Dadhabbii isaanitu cinaacha koo waraana. Iyye.....iyye.....

Egaa yoom na hubattu? Yoom wal taatanii waliif yaaddu? Yoom shira walirratti xaxuu dhiistanii kaayyoo ani wareegameef galmaan geessu? Gochaan keessan hedduudha. Meeqa qe'ee isaarraa buqqistanii maraachitan immoo.....? Meeqa ala bulchitan? Meeqa ammoo karaarratti baastan? Ilma Abbaa Gadaa wabii biyya tanaa ta'u, diinatti gurgurattanii Oromticha maseensitan. Yeroo danuu balleessaa keessan quba ofitti qabdanii fudhachuurra, diinatti quba yoo qabdan jaallattu. Quba ofitti qabuun wal sirreessuun kun isin biratti hin baramne. Diinni isin keessan..., isin seenee isin nyaate.

Maaf na hubachuu dadhabdan ree? Lubbuu koo tokkittii gatiitti hin madaalamne, dabarsee siniif laadhe. Isin kana hubattanii kaayyoo koo galmaan gahuu dadhabdan. Kan beektan quba walitti qabuu, wal hamachuu..., aangoo fi dumbulloon dabarsitanii wal gurguruu..., Akkam siniif godhuree? Kam feetu? Moo Hitilariin ta'ee guggubee sin waadu? Moo akka Hewaan ajaja gooftaa dhiisee firicha sooradhu? Kam wayya? Moo akka Abbayyaa yaa'ee qabamuu didu.....? Tokko taatanii dhangaa bilisummaa soorachuu moo wal gurgurtanii gabrummaa dhamdhamuu wayya? Moo walirratti duultanii diinaaf

karaa laachuun gabroomuu? Maanguddoon biyyaa....., Abbaan Gadaa....., Oromtichi maaloo tokkummaa Orom kootiif iyyaa..... iyyaa..... waliif birmadhaa! Ekeraan koo sinitti iyye. Waraanamuu keessaniif cinaachi koo waraaname. Iyye..... iyye..... iyya koo dhaga'aa!

Moo akka Roonaaldoo, akka Mesii fi Saalah qilleensa irra kubbaa naannessee ol jedhee addunyaan gaafan iyyame, naaf dhageessu? Moo akka Mombarley, akka Maayikil Jaaksan dhiichisee gurra keessan qirqirsu? Gaaficha kaayyoo koo galmaan geessuu? Akka Obama fi Abraham Liinkooliin mootii ta'ee..., addunyaatti lallabuu? Kam feetu? Yoon kam ta'e, wal taatu? Qaamni koo siniif ciramee jira. Lubbuun koo siniif wareegameera. Mormi koo siniif qalame.

Yaa dhaloota koo! Yoo isin wal gurguruu dhiistan..., yoo addaan wal qoqqooduu dhiistan, bubbeenis bubbisu, lagnis guutu Birraan siniif bari'uu hin hafu. Bakkalchi guddaan Urjiilee fi Pilaanitoota gurguddaas moo'ee..., dachee lafaa kana irratti ifa gad dhiisuun hin oolu.

Kanaaf, iyyaa fi lallaba koo dhaga'aa! Kaayyoo keenya nuti kaleessa darbineef fiixaan baasuuf aarsaa barbaachisu hunda kafalaa. Kana hin ta'u ta'ee, yoo laagaan, amantaan, gosaan, balbalaan wal qooddan..., kaayyoo diinni bara baraan Orom irratti xaxu yoo galmaan geessan, lafeen koo sin waraana. Godaannisa diinaa kan caalu, godaannisa biraa saba keenyaf keessu. Kana jechuun, kan diinni sin nyaate caalaa, kan isin wal nyaattan, kan diinni isin gurgure caalaa kan sin wal gurgurtan, dachaa dachaan ta'uun isaa hin gaafachiisu. Kana sodaafan iyye..... iyye.... uu... uu..... jedhe.

Egaa yaa Waaqayyo! Ati uumaadha! Uumaa jiraataa! Isa jalqabaa fi isa dhumaa (Alfaa-Omeegaa)...hundumaa kan dandeessu. Waan

hundumaa gochuuf aboo kan qabdu, (Elshadaa'i) araara qabeessummaan kee dhuma kan hin qabne, tokkummaa ijoollee keetii cimsuu fi iyya, watwaannaa haadholii dhaga'uuf.... booyicha saba keetii ilaaluufis fagoo kan hin jirre:..., mootii qajeelinaa! Yeroo barbaaddetti waan jaallattee fi bakka gadi dhiise sirreessuuf aangoo guutuu akka qabdu, garuu akka yaada namaa yaadni kee ariifataa akka hin taane, Xoofoon jal'ootaa guutee manii hanga ga'utti ija obsaatiin akka ilaaltu, gaafa murtoof kaatu garuu, mataa jal'ootaa akka gadi garagalchitu hubadheera. Suuta jettee deemta. Garuu, dursamtee hin beektu. Waan gootu hundumaaf ati qajeeladha.

Eeyyee! Egaa... wanti si duraa dhokate tokkollee waan hin jirreef, waa'een tokkummaa dhabuu, aangoo fi maallaqaan wal gurguruu ilmaan saba bal'aa kanaa, dachee gidiraan irratti wal horee fi iyyi ijoollota ishee, fuula kee duraa kan dhokate miti jedheen abdadha.

Egaa yaa Waaqayyo, ati saba kana tokko taasisi....! Saba bara dheeraaf gidirfamaa ture kana moosisi.....! Iyyaa fi watwaannaa haadholii fi abboolii kana imimmaan isaanii qoorsi....! Isa aangoo fi maallaqaan ilmasaa deebisee gurguratu qalbii laadhuuf....! Saba kana tokkummaa isaanii haphee taasisi.....! Saamtotaa fi hattoota dachee saba kanaa, ati salphisi....! Deebii fi furmaatni saba kanaa, dachee sanarraa ni dhabame. Ati hunda dandeessa waan ta'eef, furmaatni isaa sin dhibu. Akka furmaata laattus ija keenya imimmaan diimaan guutnee si eegganna. Galatni siif yaa ta'u.

Jedhe gootichi Oromoof wareegamee, hubatamuu dadhabe.

Wabiilee

- Abdiisaa Guyyee. (2018). Faaya Oromiyaa. Finfinnee: Inspire Printing Press
- Amaan Gadaa. (2005). Arsii. Finfinnee:
- Biiroo Aadaa fi Tuurizimii Oromiyaa. (2006). Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa. Finfinnee
- Daadhii Galaan. (2010). Bool'a Nugusa Nyaatte. Finfinnee: Sheger Printing & Advertizing PLC
- Daraaraa Maatii fi Dr. Muhaammad Hasan.(2008).Goota Oromiyaa. Atlanta-Georgia: Oromia Publishing
- Dirribii Damusee.(2016).Ilaalcha Oromoo: Barroo Aadaa, Seenaa fi Amantaa Oromoo. Finfinnee: Ilsabaa Publishing
- _____. (2017). Seenaa Eenyummaa Oromoo. Finfinnee
- Fayyisaa Fiixaa. (2018). Leenca Mogor: Seenaa Gootota Oromoo Dhuma Jaarraa 20ffaa. Finfinnee: Nechisar Printer
- Garee Qorannoo Waajjira Aadaa fi Turizimii Aanaa Jiddaa. (2010)._____. (Barruu Xinnoo seenaa gootota Salaalee qabatte)
- Leelisaa Zamaduu.(2018).Hubannoo Oromoof: Sirna Gadaa Amantii fi Seenaa Oromoo. Finfinnee: Abbubakar Printer
- Muhaammad Sa'id. (2007). Seenaa Qabsoo fi Oromootaa. Finfinnee: Hy International Printer
- Oftaanenus Dasee. (Barruu Sinbirtuu Gadaa. Fulbaana, 2010 Jildii 1)
- Roobalee Taaddasaa.(2015).Sirna Gadaa: Kallacha Tokkummaa Hundee Bilisummaa Saba Oromoo. Finfinnee: Finfinnee Printer
- Shallamaa Kabbee. (2011). Seenaa Gootota Oromoo fi Kaan. Finfinnee
- Taabor Waamii. (2008). Seenaa Dhugaatii fi Barreeffama Loogii. Finfinnee: Rehobot Printers
- Taadhii Liiban. (____). Jatani Ali An Outline Of His Life
- Tulluu Goolee. (2013). Qabsoon Oromoo Eessaa Karam. Finfinnee: Elleni P.P.PLC
- Waajjira Aadaa fi Tuurizimii Godina Gujii Lixaa. (2009). Haleellaa Tuullaa Surroo: Duguuggaa Sanyii Bara Dargii (1968) Oromoo Gujii Irratti Raawwate. Finfinnee

- Waldayohaannis Warqinaa fi Gammachuu Malkaa.(2009).Seenicha Suukaneessaa Barri Dhokse. Finfinnee
- እሸቱ ሊረና: (2001): የኦሮሞ ታሪክ: ከጥንት እስከ 1890 ዎቹ መጨረሻ: ፊንፊኒ: ንግድ ማተሚያ ድርጅት
- አላና ዞጋ: (1985): ግዝትና ግዝት: አዲስ አበባ
- ፍትረ ማርቆስ ደስታ: (2001): ጀግን ኪሉ: የበጋው መብረት (የህይወት ታሪክ): አዲስ አበባ: ማስተር ማተሚያ ቤት
- ተስፋዩ ገብረአብ: (2001): የጋዜጠኛው ማስታወሻ: ናይሮቢ: ኪንያ
- BBC News /Afaan Oromoo/ Waa'ee Eebbisaa Addunyaa Irratti Aartistoota Hiriya Eebbisaa Haasofsiisan
- OBS, (2011). Seenaa Eebbisaa Addunyaa Irratti Haadha Eebbisaa Haasofsiisan (youtube) Irraa
- OBS. (2011). Dokumantarii Seenaa Laggasaa Wagii. (Gaazzexeessaa Margaa Angaasuun) Qophaa'e
- DHRTVO. (2006). Dokumantarii Seenaa Alamaayyoo Atomsaa. (Gaazzexeessaa Zinaabuu Asiraatiin) Qophaa'e
- DHRTVO.(2006).Dokumantarii Seenaa Asaffaa Shaaroo Lammii. (GaazzexeessaaTasfaayee Addamaatiin) Qophaa'e
- DHRTVO,(2009). Seenaa Onesmoos Nasiib. (Gaazzexeessaa Obsii Fileetiin 8/2/2009) Qophii Iyyaafataa Irratti Qophaa'e.
- DHRTVO.(2008). Ayyaana Bara Haaraa 2008 Sababeeffachuun Qophii Bulchiinsa Magaalaa Burraayyuutti Qophaa'e Irratti, Birraatuun Lammaa Haasofsiisan
- OMN. (2016). Seenaa Aadam Diimaa. (youtube) Irraa
- OMN. (____). Dokumantarii Seenaa Laggasaa Wagii. (Gaazzexeessaa Abdii Fiix een) Qophaa'e (youtube) Irraa
- VOA.(____). Seenaa Bishoo Jaarsaa (Waa'ee Oromoo kana Beektuu Laata?) Dokumantarii Haala Du'a Eebbisaa Addunyaa (youtube) Irraa

Waaajjira Aadaa fi Tuurizimii Aariaa Dandii

Waaajjira Aadaa fi Tuurizimii Aanaa Diksiis

Waaajjira Aadaa fi Tuurizimii Aanaa Kuyyuu

Waaajjira Aadaa fi Tuurizimii Aanaa Shirkaa

Waaajjira Aadaa fi Tuurizimii Godina Gujii Lixaa

Waaajjira Aadaa fi Tuurizimii Godina Shawaa Kaabaa

Waldaa Haaromsa Shanan Sima Gadaa Dargaggoo Salaalee Aanaa Yaayyaa

Gullallee

www.bbc.com/news/world-africa-14367121. seenaa bishoo jaarsaa

[\(2013\).">www.bilisummaa.com.\(2013\). Seenaa Gabaabaa Jeneraal Waaqoo Guutuu](http://www.bilisummaa.com)

(February 1,2013)

Wikipedia,[https://om.m.wikipedia.org-wiki-Belay Zeleke](https://om.m.wikipedia.org-wiki-Belay-Zeleke)

Wikipedia,[https://om.m.wikipedia.org-wiki- Abba Jifar](https://om.m.wikipedia.org-wiki-Abba-Jifar)

Wikipedia,[https://om.m.wikipedia.org-wiki- Zawuga Bojia](https://om.m.wikipedia.org-wiki-Zawuga-Bojia)

Wikipedia,[https://om.m.wikipedia.org-wiki- Jeneral Wako Gutu](https://om.m.wikipedia.org-wiki-Jeneral-Wako-Gutu)

Wikipedia,[https://om.m.wikipedia.org-wiki- Jarra Abba Geda](https://om.m.wikipedia.org-wiki-Jarra-Abba-Geda)

Sirboota Aartistootaa

- ✚ Caalaa Bultumee
- ✚ Galaanaa Gaaromsaa
- ✚ Daadhii Galaan
- ✚ Mogoroo Jifaar
- ✚ Eebbisaa Addunyaa

Maanguddoota fi Seenaa Beektota Af-gaaffin Odeeffannoon Waa'ee Goototaa Irraa Funaaname.

T.L	Maqaa	Iddoo Dhalootaa	Itti Dhiyeenya Gootichaa
1.	Obbo Amaan H/Usmaan	Aanaa Zuwaay Dugdaa	Obboleessa Nadhii Gammadaa
2.	Obbo Asaffaa Shaaroo Lammii	Aanaa Warra Jaarsoo	Goota (matuma isaanii)
3.	Obbo Ashannaafii Addunyaa	Magaalaa Dambi Doollon	Obboleessa Eebbisaa Addunyaa
4.	Aadde Asteer Birraatuu	Aanaa Jimmaa Raaree	Intala Birraatuu Lammaa
5.	Baacaa Daraaraa	Magaalaa Amboo	Ilma Daraaraa Kafanaa
6.	Balaay Asaffaa	Aanaa Warra Jaarsoo	Ilma Asaffaa Shaaroo Lammii
7.	Baqqalaa Addunyaa	Aanaa Yaayyaa Gullallee	Badhaadha Dilgaasaan soddummaa kan qaban
8.	Obbo Birhaanuu Dukkallee	Magaalaa Bulee Horaa	Obboleessa Bariisoo Dukkallee
9.	Obbo Birhaanuu Girmaa	Aanaa Kuyyuu	Hojjataa W/A/T Aanaa Kuyyuu
10.	Obbo Biruuk Dassaalkeny	Aanaa Leemmuu fi Bilbiloo	Maanguddoo seenaa
11.	Dabalaa Asheetii	Aanaa Meettaa Roobii	Dhiiga Laggasaa Wagii
12.	Jeneraal Daraaroo Guyyee	Aanaa Shaashamannee	Goota (matuma isaanii)
13.	Obbo Darajee Fayyisaa	Aanaa Amboo	Bessuma Daraaraa Kafanaa
14.	Obbo Darajee Qaxxee	Aanaa Jimmaa Raaree	Abbaa marlaa mucayyoo Birraatuu Lammaa
15.	Obbo Dheeressaa Dawwaanoo	Aanaa Dodolaa	Obboleessa Baqqalaa Dawwaanoo
16.	Obbo Daqqaboo Shubaa	Aanaa Shaallaa	Jaallee qabsoo Jeneraal Daraaroo Guyyee
17.	Aab Diidaa Galgaloo	Aanaa Miyoo	Maanguddoo Booranaa
18.	Obbo Galaanoo Dhugoo	Magaalaa Bulee Horaa	Qorataa Seenaa W/A/T Godina Gujii Lixaa
19.	Obbo Girmaa Abarraa	Aanaa Warra Jaarsoo	Maanguddoo ollaa Asaffaa Shaaroo Lammii
20.	Obbo Girmaa Wandimaagany	Aanaa Kuyyuu	Maanguddoo seenaa
21.	Aab Guyyoo Booyyee	Aanaa Miyoo	Maanguddoo Booranaa
22.	Obbo Hayiluu Badhaanee	Aanaa Amboo	Obboleessa Jaagamaa Badhaanee
23.	Obbo Huseen Maammee	Aanaa Shirkaa	Abbaa Gadaa Aanaa Shirkaa
24.	Ibsaa Lammii	Aanaa Ada'aa Bargaa	Hiriya Kaffaaloo mana hidhaa waliin turan
25.	Kaffaaloo Tafarraa	Aanaa Jimmaa Gannat	Goota (matuma isaa)
26.	Obbo Lataa Warquu	Aanaa Digaluu fi Xiitoo	Maanguddoo Seenaa
27.	Aadde Maariyaam Dawwaanoo	Aanaa Dodolaa	Obboleettii Baqqalaa Dawwaanoo
28.	Aadde Maqdas Alamaayyoo	Aanaa Gobbuu Sayyoo	Intala Alamaayyoo Atomsaa
29.	Obbo Muhaammad Aadam	Aanaa Zuwaay Dugdaa	Doowwachiisaa kutaa Siidaa Aanolee
30.	Obbo Nagaash Hundee	Aanaa Wucaalee	Qorataa Seenaa W/A/T Godina Shawaa Kaabaa (2001-2007)

31.	Aab Quuca Guyyoo	Aanaa Miyoo	Booranaa
32.	Aadde Sannaayee Kabbadaa	Laaloo Koyii	Harmee Ebbisaa Addunyaa
33.	Obbo Shuumii Dandanaa	Aanaa Liiban Jaawwii	Jaallee Qabsoo Galaanaa Nadhaa fi Jaagamaa Badhaanee
34.	Obbo Sisaay Maammoo	Aanaa Dandii (Gincii)	Bessuma Jeneraal Jaagamaa Keelloo
35.	Obbo Sulxee Amaan	Aanaa Diksiis	Akaakilee Intoo Kimoo fi maanguddoo seenaa
36.	Mufataa (Taammiraat) Addunyaa	Magaalaa Dambi Doolloo	Obboleessa Ebbisaa Addunyaa
37.	Obbo Taammiruu Atomsaa	Aanaa Noonnoo Beenjaa	Obboleessa Alamaayyoo Atomsaa
38.	Obbo Tashoomaa Baqqalaa	Aanaa Yaayyaa Gullallee	Qabsaa'aa Badhaadha Dilgaasaa boodaa
39.	Haaji Tassaa Muhaammad	Aanaa Diksiis	Dhiiga Qeerroo Nageessoo fi Maanguddoo Seenaa
40.	Obbo Toleeraa Nadhaa	Aanaa Liiban Jaawwii	Obboleessa Galaanaa Nadhaa
41.	Obbo Tolosaa Wagii	Aanaa Meettaa Roobii	Obboleessa Laggasaa Wagii
42.	Obbo Warquu Zawugaa	Aanaa Dandii (Gincii)	Ilma hangafaa Zawugaa Booji'aa